*Macaafa Qulqulluu Hubachuu Ni Dandeessa!*

# Caalmaa Kakuu Isa Haaraa: Ibroota

BOB UTLEY
Profeesora Hermenetiksii
(Hiika Macaafa Qulqulluu)

*QAJEELEFAMA IBSITUU QO'ANNOO WALITTI FUFIINSAA*
*Kakuu Haaraa Jildii 6ffaa*

BIBLE LESSONS INTERNATIONAL, MARSHALL, TEXAS
2002 (Kan Irra Deebi'amee 2011)

# BAAFATA QABIYYEE


Ergaa Barreessaa: Ibsituun Kun Akkamitti Si Gargaara? . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . .i

Qajeelcha dubbifannaa kitaaba Qulqulluu Dhugaa mirkanaaf barbaacha matayyaa . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . iii

Ibsituu:

Seensa Ibroota . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . .1

Ibroota 1 . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 6

Ibroota 2 . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 22

Ibroota 3 . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 39

Ibroota 4 . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 46

Ibroota 5 . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 66

Ibroota 6 . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 72

Ibroota 7 . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 83

Ibroota 8 . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 93

Ibroota 9 . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 100

Ibroota 10 . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 118

Ibroota 11 . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 140

Ibroota 12 . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 150

Ibroota 13 . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 166

HafaaTokkoffaa: Ibsaa ifaa jechoota seerluga Griikii . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 181

Hafaa Lammaffaa:Qeeqa Qabiyyeerraa . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . .188

Hafaa Sadaffaa: Bara Ergamootatti Xin-Hika Barsiisotaa fi Dhiibbaa
Waldaa Kiristaanaa durii. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . .201

Hafaa Afraffaa: Beeksisa Amantii . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 210

# BAAFATA MATA DUREE ADDAA KAN IBROOTAA


Bara kanaa fi bara dhufu 1:2. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . .8

Mullisuu, 1:5 . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . .13

Angafa, 1:6 . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 14

Kan Barabaraa, 1:8 . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . .16

Qajeelummaa, 1:9. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 15

Dibamuu Macaafa Qulqulluu keessatti 1: . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 18

Fayyinaaf hojii irraa kan oolan goochima Girikii kan yeroo1:14. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . .20

Mirkanaa’aa, 2:2 . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 24

Maqaa waaqayyummaaf, 2:7 . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 26

Sochii lootii lallaba Bobii) 2:9 . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . .30

Barreesssaa/geggeessaa (Archegos) 2:10 . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . .31

Qulqullummaa, 2:11 . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . .32

Waaldaa (Ekklesia), 2:12. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . .33

Duwwaadhaa fi akkasumaan (*katargeō*)2:15 . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 34

Seexana, 2:15. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . .35

Yesus akka angafa lubaa 2:17. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . .37

Jechoota Giriikii qoruudhaafii hiika isaaniitiif, 2:18 . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 37

Waamamamuu, 3:1 . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . .40

Cubbuu himachuu, 3:1 . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 41

Abdii, 3:6 . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 43

Sadan Waaqa Tokkicha, 3:7 . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . .44

Laphee, 3:8 . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . .45

Guyyaa (Yom), 3:8. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 46

Jechoota Mul’achuu Waaqayyootiif, 3:10. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . .48

Waaqayyo Akka Namaatti Mullateera (Anthopromorphic Language), 3:11 . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . .48

Kan Hin Amanne (*Aphistēmi*), 3:12 . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . .50

Waabdii, 3:14 . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . .54

*Archē* 3:14. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . .55

Samii, 4:14. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 63

Barbaachisummaa Ciminaa, 4:14. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 64

Barabaraa, 6:2. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 75

Haaro'imsa (*Anakainōsis)*, 6:6. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . .77

Qulqulloota, 6:10. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . .79

Dhaala amantootaa 6:12 . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . .80

Raawwata Yookaan Guutummaa (Telos), 7:11. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . .86

Mudaa kan hin qabne, qulqulluun, Cubbuu kan hin qabnee mudaa malee.7:26 . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 90
Boca (Tupos), 8:5 . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . .96
Kakuu, 8:6. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . .97
Bidiruu kakuu Waaqayyoo, 9:4 . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 102
Waaqayyummaaf maqaa kennaman, 9:14 . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 108
Furuu, 9:15. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 112
Iftoomina (*parrēsia*), 10:19 . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 124
Ibidda, 10:27 . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . .130
Ilma Waaqaa, 10:29 . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 131
Cimina, 10:35. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 134
Amanuu, Amanachuu, Amantii fi amanamummaa kakuuu moofaa keessatti10:38. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 135
Magaalota Lamaan, 11:10 . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 145
Yaada garaa geeddarachuu, 12:17 . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 160
Mootummaa Waaqaayyoo, 12:28. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 164
*Koinōnia*, 13:16. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . .172
Barabaraa, 13:20 . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . .175
Fedha Waaqayyoo (*telēma*) 13:20. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . .177
Ameen, 13:21. . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . . 178

# ERGAA BARREESSAA:
# IBSIISTUUN KUN AKKAMITTI SI GARGAARA?

Hiikkaan kitaaba Qululluu walabaafi adeemsa afuuraan kan gargaaramee, yaada barreessitoota durii hubachuunergaan Waaqayyoo akka hardhas hubatamee hojiirra oolu kan xiyyeeffatamedha.
Adeemsi afuuraa baayyee murteessaa garuuu moo ibsuufis rakkisaadha. Waaqayyootti of gadhiisuufi banaa ta'u gaafata. Dheebotuu (1) Isaaf, (2) Isa beekuuf, fi (3) Isa tajaajiluuf jiraachu qabu. Adeemsi fedha godhachuu gaafata. Hiikkaa keessatti hojiin afuuraa, guddinaa, kiristaanonni jaboo akka Biroootti waan hubataniif murteessaadha.
Adeemsa walabaa ibsuun salphaadha. Fedha dhuunfaa keenyaa ykn amantii keenyaa jala hingaliin qabiyyee wajjiin ifaafi madaalawaa ta'uun dirqama. Nuyi cufti keenya seenaadhaan haalaan qabamneerra. Eenyuyyu namni hiikaa qajeelaafi walabaa ta'ee hin jiru. Ibsituun kunis rakkina ilaalcha keenya hiikkaa iratti nu rakkisu hambisuu qajeelcha hiikkaa sadii dhiyeessitee jirti.

**Qajeelcha duraa**

Qajeelchi duraa seenaa yoomessa kitaabni qulqullu itti barreeffame qabachuufi haala seenaa barreessichaati. Barreessaan ka'umsaa kaayyoofi ergaa dabarfatu ni qaba. Qabiyyeen barreeffamichaa nuyiifi homaa jechuu miti akkuma barreessicha kaka'umsa argatee isa durii, duraa sani. Fedhiin isaa seenaa, miirama, aadaa ufiifi bu'uura keenya miti furtuudha. Hojmaanni cinaacha hiikkaa adda itti hin baanedha, garuuu hiikkaan sirrii hojmaata dursuu qaba. Qabiyyeen kitaaba Qulqulluu hiikkaa tokkoofi tokko qofa qabaachunsaa dirqama. Hiikkaan kuni fedha barreessaa kitaaba Qulqullu jalqabaa hoggansa afuuraan ergaa inni warra hardhaaf dabarsuu barbaadedha. Hiikkaan tokkitiin kun garuuu hojumaata hedduu haalaafi aadaa adda addaa keessatti qabaachuu ni danda'a. hojumaanni kun dhugaa giddu gala kan barreessaa duraa wajjiin wal dhuguu qaba. Kanaafu, ibsituun qajeelchaa qo'annoo kun kitaabooa kitaaba Qulqulluu tokkoo tokkoof seensa akka ta'uuf qophaa'e.

**Qajeelcha lammeesso**

A. Barruu Giriik Yunaayiti Baayibil Soosaayiti maxxansa afuraffaa (YBS4). Barruun kun hayyoota bammayyaan kan buufaamedha.

B. Hiikkaan Niiw Kiingi Jamsi Vershin (KJHH) aadaa Giriikoota Teekistuu Reseptas jedhamee beekkamuun hiikkaa jechaa jechatti hiikkamedha. Dheerinni buufatasaa hundarra ni caala. Kun ammoo bartoonni qabiyyee gumoofte akka hubatan isaan gargaara.

C. Hiikkaan Niiw Rivaayizdi Isaandard Vershin (NRSV) hiikkaa hammayyaa jechaa jechatti godhamedha. Hiikkoota hammayyaa lameen giddutti wiirtummaa kan uumedha. Hiramsi buufatasaa ijoo baafachuuf baayye gargaaradha.

D. Hiikkaa Tuudeyis Ingilish Vershin (HIH) isa maxxansa Yuunaayitid Baayibil Soosaayiti maxxanseen kan gituu maxxansa addaati. Akkaataan hiikkaa 'saas akkaataa iti dubbistoonniifi dubbattonni afaan Ingilizii bara kanaa itti afaan Giriiki hubachuu danda'aniin kan qophaa'edha. Irra guddessa, keessattu Wangeela, buufaa akkaataa dhimmicharra akkaatta isa dubbateen kan hiredha, akkuma NIV. Akkaataa hiiktootaaf hin fayyadu. YBS4 fi HIH lameenu buufataan gargar haa ta'an malee maxxansaansaanii qaama tokko ta'uu hubatamu qaba.

E. Hiikkaan Jerusaalem Baayibil (JB) hiikkaa gita kaatolika Faransaayi kan ta'e hiikka adaati. Kallattii buufata Awurooppaanotaan madaaluuf baayyee gargaaraadha.

F. Caafanni kun hiikkaa Niiw Amerikaan Sitaandard Bayibil ((NASB) harawaa 1995ti, hiikaa jechaa-jechatti. Qeeqni lakkoofsa-lakkofsattis buufatatti hordofee jira.

**Qajeelcha Sadeesso**

Qajeelchi sadeessoo hiikkaa kitaaba qulqulluu adda dubbisudha. Kunis hiikkaa balloo jechoonniifi jechamni kitaabichi qabaachuu danda'u ittiin argachuudha. Yeroo hedduu jechii ykn jechamni Giriiki karaa hedduun ni hubaama. Hiikkaan gargaarii kunis carraa kanaafi barruu Giriiki adda baasuufi ibsuuf gargaare jira. Kun doktiriinii hin miidhu, garuuu duubatti deebinee yaada bareessitoota jalqabaa cufame akka argamu ni gargaara.

Ibsituun kun barataan akka dafee hiikka ofii ilaalu gargaara. Kunimmoo hiikko ta'u miti, garuuu caalatti odeeffanno kennuufi yaada kakaasudha. Hiikkonni Biroo ammoo **ofitoo**, **dogma'uu** fi **bu'uuroo** akka hin taanes ni gargaara. Hiiktonni barruun durii hangam takka rakkisoo ta'uu akka hubataniif carraa bal'oo hiikko isaan barbaachisa. Kiristaanoa kitaaba Qulqulluu madda dhugaasaanii godhaan giduu waliigaleen jiru xiqqaachuun rifachiisadha.

Qajeelfamni kun haal seenaa kiyya irra aanee barruu durduriin akkan qasaa'u na dirquun na gargaaree jira. Abdiin kiyyas isinifiis eebba akka ta'udha.

Bob Utley
East Texas Baptist University
June 27, 1996

# Qajeelcha dubbifannaa kitaaba Qulqulluu
# Dhugaa mirkanaaf barbaacha matayyaa

Dhugaa beekuu ni dandeenyaa? Eessatti argamaa? Loojikiin mirkaneessuu ni dandeenyaa? Gonkumaa addunyaa keenya ykn jireenya keenya qajeelchuu kan danda'an ni jiranii? Jireenyaaf hiikkaan ni jiaataa? Maaliif as jiraa? Eessawoo dhaqnaa? Gaaffiileen kunneen – gaaffii ummanni walaaa gaafatu – gaafa jalqabaa (Lal. 1:13-18, 3:9-11) irraa eegalee sammuu ilma namaa hatee jira. Nin yaadadha jireenya kiyyaaf bikka birmadoo yeroon barbaadaa ture. Dhugaa bahinsa namootaa maatii keenyaaf ta'erratti hundaa'uun kanniin gara kiristoositti goree amane dargaggummaa kiyyatti haguman gaheessa ta'aa deeme, gaaffiin ofiifi addunyaa kanaaf qabu daranu guddataa deeme. Yaadni xixiqqaan aadaafi amantii muuxannoo keessa darbee ykn dubbiseef hiikkoo ta'uu hin dandeenye. Yeroo jeequmsaa, barbaada, imalaafi fuula addunyaa jabduufi miirdhabduun keessa tureetti abdii dhabummaa turte.

Baayyinni gaaffilee kanaaf debii argachu yaalan, garuuu qorannoofi mariin booda deebiin isaanii (1) falaasama matayyaa (2) sheekko durdurii (3) muuxannoo dhuunfaa ykn (4) calaqisa xinsammuu akka ta'e arge. Sabaa jireenya koo, ido birmadoo koo, bu'uura kallati addunyaa irra kaayyadhuu mirkansa, ragaaafi ilaalcha walabaa argachuu na barbaachisa.

Kana qo'anno kitaaba Qulqulluu keessatti argadha. Achumaan ragaa amanamoomaa barbaadu iti fufeen (1) seenaa qabatamaa kitaaba Qulqulluu, arkiyoolojiin mirkanaa'ee, (2) dhugoomsa raajoota kakuu Moofaa. (3) tokkummaa ergaa kitaaba Qulqulluu baroota dhiba kudha jaha keessaafi (4) dhugaa bahinsa namoota jireenyi isaanii walitti dhufeenya kitaaba Qulqulluun jijjiiramee argu danda'e. kiristaanummaan, akka gamtaa amantiifi amantaati, gaaffii walxaxaa jireenyaa wajjin hojjechuuf ni danda'a. Kun ammoo caasaa hojii walabaa qofa miti, amantiin kitaaba qulqulu ibsamuu danda'u gammachuufi tasgabii naa fida.

Iddoo walaba jireenya koo – kiristoos, akkan kitaabicha keessatti hubadhetti, ta'uu argachuu koon beeke. Sun ammoo muuxannoo buhaara, miirama keessaati. Haa ta'uuti, ammallee waraansaafi hollachiisa hiikkaa kitaaba kanaa irratti yeroo ani eegale, yeroo tokko moo waldaafi mana barumsa tokko keessati yaada gargaaraa kaasee ture ni yaadadha. Ammanamummaafi kaka'insa kitaaba Quqlulluu dhugaa cimsuun isa xumuraa odoo hin taaanee isa jalqabaati. Akkam godheen hiikkaa gargaraafi walfaalleessaa kitaaba dhugoomsu ykn gatuu ni danda'aa?

Hojmaanni kun galmaafi imala amantii jireenya koo naa ta'e. ni beeka kiristootsitti amanuun koo (1) gammachuufi nagaa guddaa naaf kenne. Sammuun koo aadaa koo (dub-hamayoma) keessa gonkoomaaf fagaataa tueera. (2) doogmaatummaa waldhibdee amantoota (amantii addunyaa) fi (3) bu'uroma safu dhabeenya na agarsiiseera. Hikkaa hog-barruu durdurii ayitan barbaadutti, seenaa, aadaa, bu'uuromaafi gardhabummaa koo calaqisu arguu kootti ajaa'ibame. Ira deddebi'ee kaniin kitaaba Qulqulluu dubbisu ilaalcha koo utubuufidha. Hanqina koofi dhoksaa koo haguuguuf akka madda dogma godheen ittiin ormaan morma. Kana beekuun hangam dhukkuba koo turedha!

Akkasumas guutummaati mormata ta'u hin danda'au, nama kitaaba Qulqulluu dubbifatu fooyya'a ta'u ni danda'a. gara dhabummaa koo adda baasuufi jiraachusaa beekuun daangeessuu ni danda'a. ani ammallee kana jalaa hin birmadoomne, garuuu dadhabinsa koon mormachaan jira. Hiikkaan diina dubisaa kibaata Quqlulluu isa badaadha!

Mee dur tilmaama ani qo'annoo kitaaba Quqlulluu koo keessatti fideen tarreessa, isin dubbistoonnis, ana ajjin ta'uudhaan ni sakkataatu.

## I. Durtilmaama

A. Kitaabni Quqlulluu dhugaa Waaqayyoo tokkicha inni ittiin of muldhise isa muummee ta'uu nan amana. Kanaafuu, ifa fedhii barreessicha uumaa (afuuraa) karaa namootaa yoomessa seenaa addaa keessaan calaqiseen hiikkamu qaba.

B. Nin amana kitaabni Quqlulluu namoota gitaa – hundaaf barreeffame. Waaqayyoo nutti dubbachuufi haala seenaafi aadaa keessatti of qabuu jaalate. Waaqayyo dhugaa hin dhoksu – akka hubannu barbaada! Kanaafuu, akka keenya odoo hin ta'iin ifasaan akka hiikkamu barbaada. Kitaabni Qulqulluu waan warri dura dhagahanii ykn dubbisan hin ta'iin nuyiif hin ta'u. sammuu namoota giddu galaan hubatamuu kan dadna'uufi bifaafi teekinika waliigaltee laafaa namootaatti kan fayyadamedha.

C. Kitaabni Quqlulluu yaadaafi ergaa gumaa’ee akka qabu nan amana. Kanaafuu, hiikkoon kitaaba Qulquluu inni hundaan olii kitaaba Qulqulluu mataa isaati.

D. Dubbiffanni kitaaba Quqlulluu (raajooa irraa kan hafee) hundi fedhaafi kaka’umsa barreessicha duraa irratti hundaa’ee ergaa tokkoofi tokko qofa akka qabu nan amana. Hangamu mirkantuu dhumaa ta’uudha baannullee qabxiileen heddu agarsiisan waan jiraniif fedha barreessicha duraa ni beekna.

1. Bifa hogbarruu ittiin ergaa dabarsuuf filatamee
2. Yoomessa fi/ykn haalyeroo barreeffamicha dhangalaase
3. Qabiyyee kitaabilee keessaafi gamtooma hogbarricha
4. Gamtooma qabiyye hogbarichaa gara ergaa guuammati
5. Haala giraamara ergicha dabarsuuf faayidaarra oolee
6. Ergicha dabarsuuf jechoota filatame
7. Dubbifata walinfaallessine ta’uusaati.

Namoonni qo’annoo kanaas kaayyoo qo’annoo bareeffama kanaa nuuf ta’e. Odoon mala dubifata kitaaba Qulqulluu gaarii kiyya hin eriin dura mala hin mallee bara kana keessa namoonni itti fayyadamanii garagaraafi dhabamuu qabuun waa jedhe.

**II. Mala hin mallee**

A. Qabiyye hogbarru kitaabbilee kitaaba Qulqulluu tuffachuufi jecha, jechamaafi tokkoon tokkoo himaa akka dhugaa guufuutti sanuu akka fedha barreessichaafi ergaa waliigalaan waliin simnetti fayyadamuu.

B. Seenaa yoomessa kitaabichaa cinatti dhiisuun durtilmaama seenaa yoomessaan bakka buusuun sanu isa faayidaa xiqqo ykn homaawu hin qabnetti fayyadamu.

C. Seenaa yoomessa kitaabichaa dhiisuuniifi akka gaazexaa magaalaa namoota kiristaana hammayyaa ganama ganama bitamee dubbifamuuti dubbisuuf.


D. Fedha barreessicha ykn dhaggeeffattoota duraati hin simneen ergicha akka ergaa falaasamaa/tiyooloojiitti fudhachuun seenaa yoomessicha tuffachuu.

E. Ergaafi yaada barreessicha jalqabaatti kan hin simne dhimma baraa, doktiriina ykn mala tiyoolojii mataa ofii bikka huusuun ergaa duraa tuffachu. Adeemsi kun dubisa kitaaba Qulqulluu duraa akka aboo abba dubbiitti lafa kaa’a. Kun ammoo nuyiif akka “deebii dubistootaa” ilaalama. (qabiyee jechun anaaf maalajechuudhaa” hiikkaa)

Waliigaltee namootaa hunda keessatti ijoowwan sadii walsimatan ni muldhatu.




Bara durii, teekinikoonni dubisaa ijoo sadan keessaa isa tokkootti hirkatu turani. Garuuu dhugumatti fedha addaa kitaaba Qulqulluu mirkaneessuuf, gabateen haaromfame baayyee gaariidha.



Isa dhugaatti ijoowwan sadanuu adeemsa hiikkaa keessatti dabalamuu qabu. Ifa gochuufis, hiikkaan koo lameen duraa irratti xiyyeeffate: barreeffama ka'umsaafi qabiyyee. Feetuu badiin argarrattin dubbadha. (1) ciiguu ykn afuuressuu qabiyyichaafi (2) "deebii dubbisaa" hiikkaa (anaaf maal jechudha) badiin sadarkaa hundatti muldhachu ni danda'a. Yeroo mara miira, garadhabummaa, teekinikaafi hojmaata keenya sakatta'uu nu barbaachisa. Garuuu yoo waagaan, daangaafi xumurri hin jirree akkamiin sakatta'uun nuu danda'amaa? Iddoon kun iddooti fedha barreessaafi caasafamni qabiyyee iti waagaalee gam tokko ittiin daangaa hiikkoodha akkan lafa kaayadhu na gargaaredha.

Ifa teekinika dubbisa hin malle kanaan, firoomsaafi ibsii hiikkoofi dubbisa kitaaba qululluu gaariitti dhiyaachu danda'amu maalfa'ii?

**III. Itti dhiyeenya dubbisa kitaaba Qulqulluu gaarii**

Sadarkaa kanatti ani bifa teekinikaa hiikkoo addaa mariisisuutti hin jiru, qajeelcha qabiyyee kitaaba Qulqulluu waliigalaa malee. Itti dhiyeenya bifa addaa kitaaba gaariidha. Kitaaba "*How to Read The Bible For All Its Worth*" jechuun Gordon Fii fi Doglaas Sitaartiin barreeffamee Zondarvaaniin maxxanfamedha.
Jalqaba irratti toftaan koo kaniinni xiyyeeffatu dubbistoota marsaa dubbisaa afran keessaan afurrii Quqlulluu, kitaaba Qulqulluu akka isaanii ibsu ofirratti hayyamanidha. Kunimmoo afuuricha, dubbisaafi isa dubbifatu dursaa malee lammeessoo hin taasisu. Kunis darbee isa dubbifatu sana akkanni hacuuccaa ibsitootaa jalatti in kufne tiksa. "Kitaabni Quqlulluu xiyyaa ifaa hedduu ibsitootarratti ni darbataa "jecha jedhu nin dhagaha. Kun garuuu qeeqa gargaasa qo'annoo irrattif godhamu gatii dhabsiisu miti, garuuu yeroo sirrii itti fayyadamasaanii gaafata malee.

Hiikkaa keenya ragaaalee barreeffamicha keessaan deeggaruuu qabna. Naannooleen shaman ibsa gabaabo kennu

1. Barreesaan ka'umsaa
   a. Seenaa yoomessaa
   b. Qabiyyee hogbara
2. Filannoo barreessaa ka'umsaa
   a. Caasaa giraamaraa (syntax)
   b. Ittifayyadama hojii baraa
   c. Bifa
3. Hubannoo keenya sirrii
   a. Dubbisa qixaa fudhatamaa

Sababaa fi deemsa haasawaa hiikkoo keenya duubaan jiru dhiyeessu danda'uu qabna. Kitaabni Quqlulluu muuxannoo fi madda amantii keenyaati. Wanti gaddisiisaa, waan inni barsiisuufi mirakaneessu irratti kiristaanonni irra deddeebi'anii waliigaluu dhabuusaaniiti. Kaka'umsa kitaaba Qulqulluu komachuuniifi warra waan inni gaafatuufi barsiisu irratti waliigaluu hin dandeenye amantoota haarawaaf mohinsa.

Marsaan afran dubbisaa ilaa hiikkoo armaan gadii agarsiisuuf wixnaa'ani.

**A. Marsaa dubbisaa duraa**

1. Takka gadi ta'aa kitaabicha dubbisaa. Hiikka Biroon ammoo irra deebi'aa, yaada hiikkaa Birooon
   a. Jechaa – jechatti (KJHH, NASB, NRSV)
   b. Gitaan addaan (HIH, JB)
   c. Paraaphireezii (kitaaba jiraataa, kitaaba dagaagaa)

2. Yaada wiirtuu bareeffamaa ilaala. Qabiyyee adda baafadha.

3. Qabiyyee ykn yaada wiirtuu kana sirriitti ibsu jecha, jechama, himaafi boqonnaa (yoo danda'ame) adda baasaa.

4. Bifa hogbarruu ulfaatoo adda baasaa
   a. Kakuu Moofaa
      (1) Barreeffama Ibrootaa
      (2) Walaloo Ibrootaa (hogbarru safii, farfannaa)
      (3) Raajii Ibrootaa (haasa'a, walaloo)
      (4) Seera tuma

**B. Kakuu dubbisa lammeesso**

1. Keessa deebi'aa kitaabicha dubisaa, mata duree ykn qabxii adda baasuuf ilaalatuma.
2. Hima salphaa ta'een qabiyyee maa duree ibsaa bareessuuf yaalaa.
3. Gargaarsa qo'annootti fayyadamaati yaada dubbicha sakatta'aa babal'isaa tarreessaa

**C. Marsaa dubbisaa sadeessoo**

1. Ammas deebisaa dubbisaa, kitaabuma Qulqulluu keessaa haala seenaa yoomessaa barreessa adda baasuu akka isin dandeechisuuf.
2. Qabxiiwwan seenaa kitaaba Qulqulluu keessatti tuqaman tareessaa.
   a. Barreessaa
   b. Guyyaa
   c. Argataa
   d. Sababa addaa barreessicha
   e. Haala yoomessa aadaa yaada barreeffamichatti firoomu
   f. Ragaaaleefi namooa seenaafi tuqachiisa.
3. Kartuu keessan gara kutaa kitaaba Qulqulluu hiikkaa jirtaniifi buufaticha babal'isuu. Yeroo mara boqonnaa barruu jala murani adda baasuudha. Kun buufaafi boqonnaa heddumeessu ni danda'a. kun fedha barreessicha ka'umsaafi deemsa loojiki akka hordofamu ni gargaara.
4. Gargaartu qo'annootti fayyadamuun seenaa yoomessaa sakatta'uu

**D. Marsaa dubbisaa afreessoo**

1. Boqnnaa barruudha hiikkaa gargaaraa irraa deddebi'anii dubbisuu
   a. Jecha-jechatti (KJHH, NASB, NRSV)
   b. Gita addaan (HIH, JB)
   c. Paaraaphireesii ( kitaaba jiraataa, kitaaba dagaaga)
2. Caasaa giraamaraa ykn barruu ilaali.
   a. Jechama irra deddebi'o, Ef. 1:6, 12,13
   b. Caasaa giraamara irra deddebi'oo, Rom. 8:31
   c. Qabiyye mormisiisaa
3. Qabxiilee armaan gadii tarreessu
   a. jechoota barbaachisoo
   b. Jechoota hin baramne
   c. Caasaa giraamara barbaachisaa
   d. Jechoota, jechamaafi himoota rakkisoo
4. Dubbifata qixaan firoomu ilaaluu
   a. Ittifayyadama dhima kee irratti dubbisa barsiisa kee qulqulluu ilaaladhu.
      1. Kitaaba malmaltu tiyoolojii
      2. Tuqachiisa kitaaba Qulqulluu
      3. Tartiiba jechoota
   b. Dhimma kee keessati warra warra wal hinfakkaane fakkaatan ilaali. Dhugaan kitaaba Quqlullu hedduun cimsii wala'insaan jiran, mormiin bu'oroma heddu kan dhalatan muddama dhugomsabarruu kitaabicha irra kan ka'e ture. Guutuun kitaaba Qulqulluu afuuraan kaa'ame, kanaafu hiikkaa madaalawaa barruu argachuuf ergaa guutammaa soquu qabna.
   c. Kitaabuma tokko keessatti walmaddii barreessaa, ykn bifaa, ilaali, sababnisaa kitaaba Qulqulluuf barreessaan isaa tokkichuma, afuura Qulquluu.
5. Haalaafi yoomessa seenaa argite sakatta'uuf gargaartuu qo'annooti fayyadami.
   a. Qoa'nnoo kitaaba Quqlulluu
   b. Guuboo jechootaa, kitaaba qajeelchaafi Insaayikilopidiyaa kitaaba Quqlulluu
   c. Seensa kitaaba Qulqulluu
   d. Ibsituu kitaaba Qulqulluu (qo'annoo kee sadarkaa kanaa irratti akka qo'annoo kee siif sirreessaniif hawaasa amantootaaf carraa godhi).

**IV. Hojmaata hiikkoo kitaaba Qulqulluu**

Sadarkaa kanatti gara hojmaataatti deebina. Barru yoomeessa ka'umsaan hubachuuf yeroo fudhateerta, amma aadaafi jireenya kee keessatti dhugomsuu qabda. Ani aboo kitaaba Qulqulluu akka "hubannoo ergaa barreessaa kitaaba Qulqulluu ka'umsaa bara sanaafi hojmaata dhugaasaa bara kanaa" ti hiikeera.

Hojmaanni hiikkootti fedha barreessa ka'umsaa yeroofi loojikiitti aanee dhufuu qaba. Hanga gaafa bara isaati inni jedhu beeknutti dubbisa kitaaba Qulqulluu hojiirra oolchuuf hin dandeenyu! Dubbisni kitaaba Qulqulluu waan hin jedhamne jechuu miti.

Baafanni, sadarkaa buufataatti (marsaa dubisaa # 3) gadi bu'ee jiru qajeelcha keeti. Hojmaanni sadarkaa buufataatti, malee sadarkaa jechaatti tolfamu hin qabu. Hiikkaan jechootaa sadarkaa barruutti, hikkaan jechamaa sadarkaa barruutti, hiikkaan himaa sadarkaa barruutti ta'u qaba. Hiikkaa keessati hiikkaan afuuraa barreessa ka'umsaa qofadha. Ibsa afuura qulqulluun hoggansa isaa horfofna. Ibsaan garuuu afuuruu jechuu miti. Waa jechuudhaaf "Gooftaan isinitti hima" jedhe fedha barreessaa ka'umsaaf abbomamuu qabna. Hojmaanni fedha barreeffama waliigalaa, boqonnaa barruu addaafi dagaaga buufatatti firoomuu qabu.

Dhimmoonni bara keenyaa akka dubbatan odoo hin taane, akka kitaabicha keessaa akka baafannu nu godha. Yoo barruun qajeelfama kana ni deggera ta'e fudhatama argata. Yeroo hedduu qajeelfamni keenya matumasaa qajeelfama "keenya" – malee qajeelfama barruu miti.

Kitaaba Qulqulluu hojmaatessuurratti raajootaan alatti) barrichaaf hiikkaan tokkoofi tokko qofti akka sirrii ta'e beekuun barbaachisaadha. Hiikkaan isaas fedha barreessaa ka'umsaa gaafa saniitti firmudha. Hiikkaa Tokkotti kana irraa hojmaanni hedduu bahuu ni danda'a. Hojmaatichi fedhii argataa irratti bu'uraa, garuuu fedha barreessaa ka'umsaati firommuu qaba.

**V. Kallatti hiikkaa afuuraa**

Hanga ammaa adeemsa loojikaafi barreeffamaa hojmaataafi hiikkaa ibsaa tureera. Amma ammoo kallattii hiikkaa afuuraa ibsuu yaala. Tartibni sakatta'a armaan gadii anaaf gargaarsa ni qaba.

A. Kadhaa gargaarsa Afuura Qulqulluu (1 Qor 1:26-2:16)
B. Kadhata dhiifamaafi dhiqama cubbuu beekkamaa dhuunfaaf godhamu (1 Yoh. 1:9)
C. Kadhata fedha guddaa Waaqayyoon beekuuf godhamu (Far. 19:7-14, 42:1ffa; 119:1ff)
D. Ilaa toltuu jireenya keetti dabalii
E. Gadjechuufi barsiisu danda'urra turi.

Hoggansa Afuuraa Afuura Quqlulluufi deemsaa loojikaa madaallii jiru eeguun guddaa rakkisaadha. Kana lameen walmadaalchisuuf waraabi kun na gargaare.

A. Scripture Tmisting, James W. Sirerra ful 17-18 "Itti gara sammuu namoota Waaqayyootti dhufe – gara warra Afuuraa muraasa miti. Kiristaanumma kitaaba Qulqulluu keessatti gartuun beekkamo, ibsituuniifi ummanni hikkaan qixaa keessa dhufe jedhaman hin jiran. Afuurri Qulqulluu kennaa addaa ogummaa, beekumsaafi hubannoo kennullee garuuu inni abbootii hiikkoo sagaleesaa kiristaanoota ol bahan hin ramadne. Barachuun, murteessuuniifi hubachuu hanga saba isaati, kitaaba Qululluuti hirkachuun, warra Waaqayo dandeetti addaa isaanii kennellee ta'an. Waliti qabuudhaaf tilmaamni ani kitaabicha irrati godhadhe kitaabni Qulqulluu dhugaa Waaqayyoo namootatti muldhisedha, aboo nuyi waan inni dubbatu hundarratti qabnudha, sunis ajaa'iba gararraa odoo hin taanee waan namoota aadaa gargaraan hubatamu danda'udha.

B. Kitaaba "kiyeerkigaard protestant biblical interpretation" ful. 75 jedhu keessatti. Akka kiyeerkigaardifi qo'annoon giraamaaraa laaksilaalaafi seenaa kitaaba Qulqulluu barbaachisaadha, garuuu dubisa dhugaa kitaabaa dursuu qaa. "Akka sagalee Waaqayyooti kitaaba Qulqulluu dubbisuuf namni tokko afaaniifi lapheesaatiin, qeensa qubaan, eegumsa dammaqinaan, haasa'a Waaqayyoo keessatti dubbisuu qaba. Kitaaba Qulqulluu akka qalbi dabinsaati, ofumaan ykn yaroominaan, ykn ogummaan dubbisuun akka dubbisa sagalee Waaqayyoo hin ta'u. Akkuma namni xalayaa jaalalaa dubbisutti sagaleen Waaqayyoos dubbifamuu qaba.

C. Kitaaba H.H Rowleey, The Relvance of Bible ful. 19 jedhu keessati moo "Hubannoon beekumsaa hayyoomaa kitaaba Qulqulluu hangamu guutuu, hunda qabatee hin jiru. Hubanno guutuuf barbaachisaa waan ta'eef hubannoo akkanaa gad buusuuf miti. Yoo guutummaa kitaabichaaf kan ta'u ta'e garuuu gara hubannoo afuuraa qabeenya afuuraatti qajeelchuu qaa. Akkuma kana hubannoo afuuraa dammaqina hayyomaa daran caaluu barbaachisa. Wantoonni afuuraa afuuraan murtaahu, kanaaf bartoonni kitaaba Qulqulluu amala argataa afuuraa, akka isaanitti of ibsuuf fedha Waaqayyoo, qabaachu qabu akkaqo'annoo saayinsiin duuba darbani gara dhaala duuroma qabeenya kitaaboota isaa gurguddooti darbuudhaaf.

**VI. Mala ibsiituu kanaa**

Ibsituun qo’annoo kanaa kan qophaa’e deemsa hiikkaa kee bifa armaan gadii akka ta’uufidha.

A. Seenaan ifaa kartuu kitaabbilee ni agarsiisa. “Marsaa dubbisaa # 3” eegi tolfateen booda odeeffanno kana sakatta’i.

B. Ilaan barruu jalqaba boqonnaa hundaratti ni argama. Kunimmoo caasaa boqonnaa barruu akka ilaaltusi gargaara.

C. Jalqaba boqonnaa ykn barruufi hirtaan buufataafi kaptioniin ibsaaf tolu hiikkaa hammayyaa adda adda irraa kenname jira.
   1. Barruu Giriik, Yunaayitid Baayibil Soosaayitii maxx4 (YBS)
   2. Niiw Ameerikaan Sitaandaard Baayibil, 1995 fooyya’e (NASB)
   3. Niiw Kiingi Jemsi Vershini (KJHH)
   4. Niiw Rivaayizdi Sitaandaard Vershiin (NRSV)
   5. Tuudeyis Ingilish Versiini (HIH)
   6. Jeruusaalem Baayibil (JB)

Hiramsi buufata kaka’umsaan miti. Barruurraa mirkanaa’e. Hiikkaa hammayyaa adda addaa kallattii tiyooriifi tiyoolojii adda addaan walbira qabuun ilaalcha barreessaa ka’umsa tilmaame xiinxaluu ni dandeenya. Buufanni tokkoon tokko dhugaa jabaa tokko ni qaba. Kunis “hima, matoomaa” ykn “yaada wiirtuu barruu” jedhama. Ilaalchi gamtooma kun furtuu hiikkaa giraamaraafi seenaa qixaati. Namni tokko waan buufataan gadiin, hiikuu, lallabuu ykn barsiisuu hin danda’au. Buufanni kamuu akka firooma buufatoota olla jiraniin qabu dagatamuu hin qabu. Kanaafi barbaachisummaan kartuu kitaabichaa sadarkaa buufataa barbaachiseef. Nuyi yaa’aa loojika dhimmicha barreessaa ka’umsaa duraan gahuuf danda’u qabna.

D. Hikkaan yaadannoon Bob lakkoofsa – lakkoofsatti. Kun ammoo ilaalcha barreessaa ka’umsaa akka hordofnu nu dirqa. Yaadannichi odeeffannoo gama hedduu kenna.
   1. Qabiyyee barruudhaa
   2. Ilaa aadaafi seenaa
   3. Odeeffannoo giraamaraa
   4. Qo’annoo jechootaa
   5. Dubbisa walmaddi fayyadan

E. Ibsituu keessatti sadarkaa ta’etti, maxxansi Niiw Ameerikaan Sitaandaard Kershini (haarofni 1995) hiikkaa hammayyaa hedduun deeggeramee jira.
   1. Niiw Kingi Jemsi Vershini (KJHH) barruu “Tekistus Resiptas” jedhu duuka bu’eeti.
   2. Niiw Rivaayizdi Sitaandaard Vershini (NRSV) isa jecha – jechatti kaawunsila waldaale biyyaalessa irraa gargale.
   3. Tuudeyis Ingilsh Vershin (HIH) isa Ameerikaa Baayibil sosaayiti irraa gitaan gargale.
   4. Jeruusaaleem Baayibil (JB) isa hiikkaa Kaatolika Faransaayii irratti bu’uuraa’ee Ingiliffaatti hiikkame.

F. Warreen afaan Giriik dubbisuu hin dandeenyeef rakkoo barruu irratti isa mudatu madaalee adda aasuuf afaan Ingiliffaan fayydamuun isa tola.
   1. Garaa garuummaa barruuwwanii
   2. Hiikkaa jechootaa filatamoo
   3. Caasaafi barruu giraamara rakkisoo
   4. Barruu jeeqamoo

   Yaata’uti hiikkaan Ingiliffaa rakkoo kana hin furiin malee, akka iddoo gadi fagoofi qo’annooti xiyyeeffatu.

G. Xumura boqonnaa hundaa irratti gaaffileen marii kaasan barbaachisoo ta’an kaa’amanii jiran. Isaaniis yaada hiikkaa muumme ta’an irrati xiyyeeffataniiti.

# SEENSA IBIROOTAA

## BANTUU IBSAA BAAY'EE BARBAACHIISAA

Kitaaba kana yeroon qayyabadheetti baay'ee ifaa ta'aa kan dhufee barnootni hafuuraa koo fakkeennoo Phaawuloosiin akka hojjetameedha. Anaaf baay'ee rakkisaa kan ta'ee barresittoni kakuu haaraa kan biroon danummaa, yaada hafuuraan liqimfamuu yaada isaanii akka dhi'eessaniif heyyamu dhiisu kooti. Isaaniin rimiddii Phaawuloosiin ta'I jedhee waanin teessiseef. Kunnis keessumatti ragaa kan ta'u Ibirooti cimsa kan inni itti laatu itti fufeenya amantii irratti. Kitaaba Ibirootaa keessatti amantiin ejjennoo ragaa irratti miti (amantiidhaan tolaa ta'u), ha ta'uu malee kan bara jireenyaa hundumaa kan ta'u jireenya amaname malee (boqonnaa 11-12).

Akkan yaadutti, baay'een isaanii Ibiroota irratti kanan wal'aansoo ittiin qabee barreessichaan illee raawwatee kan gaaffatamee nattI hin fakkaatu (Pheexiroosinis ta'e Yaaqobiin). Warri Ibiroota harshima muraasa keessaa isa xiqqoo dha, akka kitaaba kakuu haaraa kan biroo. Barreessichi ofii isaa/shee akka dubbatamu dirqamatti heyyamuutu narra jira, anaaf kan naaf hin taane illee yoo ta'e, ramaddii ni ta'aa kan kootti kan hin fayyadamne illee yoo ta'e yookaan bifa keessaa baheen yaada namaa jeequ ramaddiwwan sana yoo walin makanis. Akkaatee barnoota hafuuraa koo barreessaa yaada hafuuraatiin liqimfamee fi ergaa jijjiruudhaaf ija hin jabaadhu. Kan kootu sirridha jechuu barnoota hafuuraa kooti ambisuu filladhee, dhiibbaa kakuu haaraa keessa jiraachuun filadha, ammam illee guutummaa guutuutti yoo na galuu baates yoon hin jaallannes! Akkakootti kakuu haaraa kan ilaalatuu ammayyummaadhaan kan abbaa wangeelaa, garee jijjiiramaati. Abdiiwwan kitaaba qulqulluu jabeessuun barbaada, kan Waaqayyoo kan jaalalaa, kan kennuu, fi humna eegu abdiwwan, ammam illee barreesitootni kakuu moofaa of eegachiisa jabaadhaa fi itti gaaffatamummaa yoo ajajes. Ibiroota haala cimaadhaan dhaga'uutu narra jiraata, ammam illee kan nama dhukkubu yoo ta'es, dhiibbaa sana hubachiisuudhaaf fedhii hin qabu. Akkan yaaduutti, qabatamaatti, fayyina tolaa fi hundumtuu gatii kan qabu jireenya kiristaanummaa cimsuuf nan barbaada. Ha ta'uu malee yaadichi osoo wal hin simin iddoo kamitti sarara isaa kaasaa? Waaqayyoodhaa wajjin kan inni qabaatu tokkummaa bara baraa ka'umsa amantiif deebii dhaa yookaas itti fufeenya kan qabu deebii amantiitii? Ibiroonni ifatti kan inni teesisuu itti fufeenya kan qabuu humna deebii amantiiti. <u>Jireenyi kiristaanaa kan inni mul'atu xumura irraatti jalqaba irraa osoo hin taane!</u>

Kana jechuun dhiibbaa fayyina hojii irratti xiyyaafatu miti, haa ta'uu malee mirkaneeffannaa hojii irratti xiyyaafatu malee. Amantiin mirkaneeffannaa dha, galtee osoo hin taane (innis ayyaana). Amantootni kan isaan fayyan hojiidhaan miti, hojiidhaaf malee. Hojiin sababa fayyinaa miti, bu'aa fayyinaati malee. Gaariidha, kan amanan, guyya guyyaatti Kristoosiin fakkaachuu wanta goonu miti haa ta'uu malee isatti jiraachuu keenyaan. Amantii irratti kan jijjirame, fi jireenya jijjiramaa jiru yoo hin qabaanne, fayyina keenyaaf ragaa hin qabnu, amanaadhaafis wabiin hin jiru. Waaqayyo qofa lapheedhaa fi yaada kan beeku. Wabii jechuun jireenya amantiin walitti hidhachuudha malee, ka'umsa irratti kan ta'u ejjennoo barnoota hafuuraa ta'ee akkaate jireenya gatii hin qabnee ragaa miti.

Kadhata kook an ta'uu yaada hafuuraan liqimfamuu kana barressitootni kakuu haaraa ifatti akka dubbatan hiyyamuu dha, Ibiroota gara yaadannoo jala barnoota hafuuraatti gadi buusuudhaan osoo hin taane, gara sadarkaa akkaatee barnoota hafuuraatti, Kaalvin yookaan Hermen yoo ta'e.

### BANTUU HUBANNOO JABAA

**A.** Kitaabni kun kitaaba kakuu moofaa fayyadama, akkaataa hiika barsisotaatti fayyadamuun ergaa isaa hiikaman dabarsuudhaaf. Yaada barreessaa jalqabaa hubachuudhaaf, kitaabni kun dirqamatti hiikamuun kan irra jiraatuu jaarraa tokkooffaa keessa Yihudummaa barsisotaati, kan ammayyaa yaada warra lixaa osoo hin taane.

**B.** Kitaabni kun kan inni jalqabu bifa lallabaatiin (nagaa dhi’eessu tokko malee yookaan seensa baratame) kan xumurus akka ergaatti (kan baratamee xumurtuu Phaawulos boqonnaa 13 irratti kan jiru). Inni tarii lallaba mana sagadaa Yihuudiiti, gara ergaatti kan jijjirame. Barreessichi kitaaba isaa/kitaaba ishee “jecha wali galuun” jechuun waameera 13 :22 irratti. Gaalee wal fakkaataan kun immoo HoE. 13: 15 irratti waa’ee lallabaatiif eerameera.

**C.** Kun keessaa kan ta’ee ibsa yaada bal’aa kakuu haaraati, kakuu Musee irratti:

1. Guutuu kan ta’ee aangoo ilaalcha kakuu moofaa
2. Kan kakuu haaraa fi kakuu moofaa wal madaalchisuu
3. Kitaaba kakuu haaraa qofaa Yesuusin angafa lubaa jedhee kan waame

**D.** Kitaabni kun of eegannoodhaan kan guutamee dha; kufaati irra kan jiran (“gara boodeetti kan deebi’an” 10:38), yookaan gara Yihudummaatti kan deebi’an (jechuun, boqonnaa 2, 4, 5, 6, 10, 12, fayyinni salphaan hin jiru kara R. C Gileez. Jr. Insayiti Pireesiin kan maxxanfame).

**E.** Ammam illee inni guutummaatti walitti qabaatti yoo ta’es, Phaawulos fayyina akka raawwatee kan Waaqa isa jiraataaa hojii godhee kan kennameef xiyyaafannoon ilaaluuf gargaara (jechuun, amantiin qajeelaa ta’u) fayyina akka ka’umsa dhugaatti mirkanneefachuu (jechuun Rom. 4). Pheexiros, Yaaqob, fi 1$^{ffaa}$ fi 2$^{ffaa}$ ergaa Yohaannis itti fuufinsa kan qabu kan kakuu haaraa itti gaaffatamummaaf mirkaneeffannaa itti kennu akkasumas fayyinni guyyaa guyyaatti akka ta’e ni mirkanneessu, jireenya jijjiramee fi jijjiramaa jiru. Barreessaan Ibirootaa, jireenya amanacuuf mirkaneeffannaa kan kennu (boqonnaa 11), fayyinni hanga dhuma jireenyaatti akka ta’e yaadu dha. Kan ammayyaa warra lixaa sababa yaaduu isaanii isaan yaadawwan kana adda isaan baasa, barreessaan kakuu haaraa, barreessaa hafuuraa tokkoon (jechuun, hafuura qulqulluu), isaaniif wal falmii qabanin sadannuu jabeessu. Wabiin raawwatee galma miti, haa ta’uu malee bu’aa amantii damaqaati male, abdii Waaqayyoo irratti.

## BARREESSICHA

**A.** Ammam illee barreessaan Ibirootaa tima yookaan falmisiisaa yoo ta’es, kan duraanii hojiwwan Ginoostikii baay’ee (jechuun, wangeela dhugaa, wangeela Filliphoosii fi Apokiripaa Yohaannis) yeroo baay’ee eereera, innis akka aangoo barreefama kiristaanummaatti akka lakkaa’amu, jaarraa lamaffaatti (kan Andiriyaa helmboldi, kan barreeffama Naag Hammadii Ginoostiki fi kitaaba qulqulluu, fuula 91).

**B.** Waldaa kristaanaa bahaa (Aleeksanderiyaa, Gibxii) barreessummaa Phaawulosiin fudhateera, tarreefama Ibirootaatiin akka mul’atu, barreeffamoota Phaawuloosin, barreefama Papires durii p46. Barreefamni harkaa kun Chester Booti Paapirii jedhamee waamama, akkasumas jaarraa lammaffaatti kan inni galagalfame. Innis Ibiroota Roomaati aansee teesisa. Geggeesitootni Aleeksaander tokko tokkoo barreessuu Phaawuloosi wajjiniin kan wal qabate rakkoo barreefamaa tilmaama keessa galchu.

1. Kan Aleksaanderiyaa Kilimenti (waggaa haraaraa 150-215 Iyusibeesin kan eerame) akka jedhutti Phaawulos Ibirootaan barreessee fi Luqaas immoo gara Girikiitti hiike.
2. Origin (bara haraaraa 185-253) kan inni mirkaneessuu yaadii isaa kan Paawulos, kan barreefame garuu kan gara boodaatti duukaa bu’an duuka buutota, Luqaasiin yookaan Kilementii Roome.

**C.** Kitaabni kun tarreefama ergaa Phaawuloos keessaa hir’ateera, Muraatooriyaa Firigimenti jedhamee kan waamamu waldaa kristaanaa lixaa (tarreefama kitaaba safartuu kakuu haaraa, Roomaa irraa, tilmaamaan bara haraaraa 180-200).

**D.** Waa’ee barreessichaa kan nutti beeknu.

1. Inni walumaa galatti kan dhaloota lammaffaa Yihudii kristaana ture (2:3).
2. Inni Giriki irraa hiika kakuu haaraa, Saptuwajentii kan jedhamu eereera.
3. Inni seera mana qulqullummaa durii fayyadameera, seera waaqefannaa mana qulqullummaa ammaa osoo hin taane.

4. Inni seer-luga Girikii durii fi galtee (Sintaas fayyadamuun barreessera (kitaabni kun kan Pilaatu miti. Ibsii isaa kakuu moofaadha malee Fiiloo miti.

**E.** Kitaabni kun maqaa kan hin qabneedha, haa ta'u malee barreessichi warra isa fudhataniin sirritti beekama (6:9-10, 10:34, 13:7, 9).

**F.** Phaawuloos barreessuu irratti maaliif shakkama

1. Akkaateen isaa adda (boqonnaa 13 irraa kan hafe) barreefama Phaawuloos kan biroo irraa.
2. Jechi isaa adda ture.
3. Garagarummaa rakkisaa jechaa fi gaaleedhaan fayyadama isaatii fi xiyyaafannoo isaa irratti jira.
4. Phaawulos hiri'oota isaaf hidhata hojii isaa kan ta'an "obboloota" jedhee yeroo waamu, maqaa nama sanaa yeroo hundumaa durseeti kan inni dhufu ( Rom. 16:23, 1Qor. 1:1, 16:12, 2Qor. 1:1, 2:13, Phil. 2:25) haa ta'u malee 13:23 "obboloota Ximootihos" kan jedhu qaba.

**G.** Yaad-rimeewwan barreessummaa

1. Kan Aleeksaandiyaan Kilementii Hypotyposes kan jedhu kitaaba isaa irratti (Iyusibeesiin kan eerame) kan inni amanu, Luqaas gara Girikiitti hiikuu isaati, Phaawulos jalqaba irratti Ibirootaan kan inni barreesse (Luqaas Konee Girikii ajaa'ibsiisaa ta'een fayyadame).
2. Origen kan inni jedhuu Luqaas yookaan Roome Kilementiin barreessera, Barsiisa Phaawulos hordofee.
3. Jeeroomii fi Awogistiin Phaawulos akka barreessetti fudhataniiru, fudhatama kitaabichaa safartuudhaan waldaa kiristaanaa lixaaf wali galchuu qofaaf.
4. Tertuliyaan (De Pudic. 20) akka inni amanuutti Barnabas (Leewota kan ta'e Phaawulosi wajjin kan wali galuu) akka barreessetidha.
5. Maartiin Luuter kan inni jedhu Aphilos Aleeksaanderiyaatti kan leenjifame ayyuu Phaawuloosi wajjin wali galee (HoE. 13:24), akka inni barreessetti.
6. Kaalviin kan inni jedhu Kilimeentiin Roome (isa bara haraaraa 96 eeruudhaa kan jalqabaa kan ta'e) yookaan Luqaas barreessaan.
7. Adoolfi Voon Hanaaki kan inni jedhu Aqiilaadhaa fi Phirsiqilaa (isaanis Aphiloosiin kitaaba guutuu kan barsiisan, Phaawuloosi fi Ximootihosi wajjin kan wali galan HoE. 18:26) isaan kan barreessan.
8. Siir wilihaam Raamsee kan inni jedhuu Philiphoosidha kan inni jedhuu (abbaa Wangeelaa dha, Phaawuloosiif kan barreesse, Phaawulos Qiisaariyaatti mana hidhaa utuu jiru.
9. Kan biroon kan isaan mirkaneessan Philiphoos yookaan Sillaasiin (Silliwaanoos).

**Fudhattoota**

**A. "**Gara Ibirootaatti" mata dureen jedhuu bakka jireenyaa uummata Ibirootaati, kanaaf, kitaabichi kan inni barreefamu Yihudoota hundumatiif (kan Aleeksaanderiyaa Kilementi, Iyusibiisiin kan eerame, Eccl. Hist. VI, 14).

**B.** Ragaan keessaa, R. C. Gilez, Jr fayyinni salphaan hin jiru kan jedhutti fufee kan inni mirkaneessuu obbolootni murtaa'oo ta'an amantootni Yihudootaa yookaan mana sagadaa Yihudii ergameeraaf (6:10, 10:32-34, 12:24, 13:7, 19, 23).

1. Isaan amantoota Yihudootaa fakkaatu, luqisiin kakuu moofaa heedduun sababaa fi dhimma mata duree sanaatiin (3:1, 4:14-16, 6:9, 10:34, 13:1-25).
2. Isaan yaallii murtaa'aa fudhataniiru (10:32, 12:4). Yihudummaan akka amantii seeraatti abbaa taayitaa warra Roomaa biratti beekamti yeroo qabaatu, jaarraa tokkooffaa booda irratti Kiristaanummaan akka seeran alaatti lakkaa'ame ture, waaqeffannaa mana sagadaa Yihuudii irraa gargar yeroo bayeetti.
3. Isaan yeroo dheeraadhaaf amantoota turan, haa ta'uu malee amma iyyu hin bilchaanne (5:11-14). Isaan Yihudummaa irraa guutummaa guutuutti gargar ba'uu hin soodatu turan (6:1-2).

**C.** Hiikii isaa ifaa kan hin taane 13:24 barreefamni akkanumatti barreefamuu kan danda'u (1) Xaaliyaanii irraa (2) gara Xaaliyaaniitti, tarii Rooma dha.

**D.** Bakki jireenyaa fudhattootaa barreesicha kan ilaalatee yaad-rimee adda addaa wajjin wal qabata.

1. Aleeksaaderiyaa - Aphilos
2. Antihoota _ Barnabas
3. Qisaariyaa _ Luqaas yookaan Filliphos
4. Room _ Kilimentii Roomee fi eeramuu Xaliyaanii, 13:24.
5. Speen _ kun Yaad-rimee Liiraa Nikolaasiiti (1270-1340)

**YEROON ISAA**

**A.** Diigamuu Yerusaaleem Fuuldura Roomaatti geggeessaa raayyaa waranaa (booda irraa Astee) Tiito, bara haraara 70

1. Barreessichi hidhata Phaawulos Ximootihosiin maqaa isaatiin eereera (13:23)
2. Barreessichi aarsaa gubatee eereera (8:13, 10:1-2) mana qulqullummaa keessatti
3. Barreessichi ari'atama eerera, innis kan yeroon Neeroo simatu wajjin (bara haraaraa 54-68)
4. Barreessichi warra dubbisan ni jajjabeessa, gara Yihudummaatii fi gara Yihudummaatti akka isaan hin deebine.

**B.** Bara haraaraa waggaa 70 booda

1. Barreessichi seera waaqeffannaa godoo bultii eereera, mana qulqullummaa Herodis osoo hin taane
2. Barreessichi ari'atama eereera
   a. Neeroodhaan ta'uuf kan jiru (10:32-34)
   b. Booda irratti Doomitiyaniin ta'us kan jiru (12:4-13)
3. Kitaabichi hareefama barsiisota Yihudummaa wajjin deemuu kan danda'u (barreefamawwan Jaaminiyaa) irraa booda irratti jaarraa tokkoffaa irratti

**C.** Bara haraaraa 95 fuuldura kitaabichi Roome Kilementiin waan eerameef

**KAAYYOON ISAA**

A. Kiristaanonni Yihudootaa Mana sagadaa Yihuudii akka dhiisanii fi ifatti (guutuu guutuutti) mataa isaanii waldaa kirstaanaati wajjin akka mul'isan jajjabeessa (13:13).

B. Kiristaanonnni Yihudootaa ergama misi'oonummaa wangeelaa akka fudhatan ni jajjabeessa (Mat. 28:19-20, Luq. 24:47, HoE. 1:8).

C. Yihudootni hin amanne, kiristaanoota Yihudootaa amanan kana wajjin hidhata qaban boqonnaa 6 fi 10 kan xiyyaafatuu dha. Argama firoota sadii hubadhu, "nuyi" "isin" fi "isaan". Isaan deebii matayyummaaf of eegachiissi itti kennameera, kan irraa hafaa ta'ee fi ragaa ifaa ta'e, kiristaanoota hiriyoota isaanitiif jireenya waaqeffatoota isaani wajjin jirani.

D. Kun kan yaadamuu fayyinni salphaan hin jruu kan jedhuu seenaa deebisanii ijaaruu R. C. Gileez Jr. irraa fudhatameera

> "Rakkoon kun kiristaanootaan irra caalaatti kiristaanoota kan hin taanee muuraasa gidduu kan jiru dhiibbaa miti. Raawatee faallaan dhugaadha. Kan tokkummaa amantoota kanaa kiristaanoonni Yihuudotaa amantii isaaniitii fi soortuu yaada isanii wal dandeessisaniiru, garee lamaan akka tokkummaa amantootaati wali wajjin waaqessuudhaaf akka danda'an. Gareen inni kami iyyuu sammuu isa kan biraa cimsee hin rakkiifne. Lallabi garee kiristaanootaa sana booda kutannoodhaaf gama murtoo gochuutiin misensa warra hin fayyin mana sagadaa Yihudii hirmaatoota kan ta'an irratti dhiibbaa geggeessuu hin dandeenye. Kiristaanonnii ejjeennoo sosochii gochuu dhiisuu irra ture, jireenyi kiristaanummaa cimaan kan inni gaafatu fudhachuudhaaf sababa fedhii dhabuu isaaniitiin. Warri hin amannee itti fufeenya kan qabuun fudhachuu dhiisuudhaan laphee jabaataniiru, garaagarummaa isaanii jabeessuu irratti. Obboloonni kun amma tokkummaa kan qaban hiriyoota ta'aniiru.

Gareen kiristaanootaa diduu gara raawwataatti geggeessuuf' (6:1) tahii lamaaniin kan ini socho'u: aadaa Yihudummaa tilmaama olka'aa itti kennuu fi kiristaanummaadhaaf adda baatii guutuuf gatii baasuus fedhii qabaachuu dhabuu dha, innis ol ol kan jedhe sochii hormootaa" (fuula 23).

**TARREEFAMA YAADA IJOO GABAABAA IBIROOTAA**

| | |
|---|---|
| 1:1-3 | olaantummaa ilmaa raajoota irratti |
| 1:4-2:18 | olaantummaa Ilmaa ergamoota irratti |
| 3:1-4:13, | Olaantummaa ilmaa kakuu Musee irratti |
| 4:14-5:10 | |
| 6:13-7:28 | Olaantummaa Ilmaa Luboota Aaroon irratti |
| 5:11-6:12 | Olaantummaa Yihudootaa Yihudoota warra hn amanne irratti |
| 8:1-10:18 | Olaantummaa Ilmaa seera kakuu Musee irratti |
| 10:19- 13:25 | Olaantummaa Ilmaa amantoota kan jedhamaniifi warra mul'atan irratti |

Kun fakkeenya tokkoodha hiika barsisootaan, "inni xiqqaan isa guddaaf" jedhamee kan waamamu

**MARSAA BARREEFAMAA TOKKO (fuula Vi)**

Qajeelfamni qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta'u, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaatti kan hiikan itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuuf kennameen deddeebi'uutu nurra jira. Hiiktooni jalqabaa si, kitaaba qulqulluu fi hafuura qulqulluudha. Kanas deebiftee isa hiike irratti jechama kan biraan akka hin fudhanne.

Kitabaa qulqulluu of irra gadi taa'uu tokkoon dubbissi. Ergaa giddugalleessa kitaabichaa jecha mataa keetiin kaa'i.

1. Ergaa guutummaa kitaabichaa
2. Gosa og-baruu (sharbee)

**MARSAA BARREEFAMAA LAMA (fuula Vi)**

Qajeelfamni qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta'u, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaatti kan hiikan itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuuf kennameen deddeebi'uutu nurra jira. Hiiktooni jalqabaa si, kitaaba qulqulluu fi hafuura qulqulluudha. Kanas deebiftee isa hiike irrati jechama kan biraan akka hin fudhanne.

Kitabaa qulqulluu yeroo lammataatiif of irra gadi taa'uu tokkoon dubbissi. Dhimma mata duree isa jalqabaa adda baafte dhimma mata-durichaa keeyata hima qeenxeen ibsi.

1. Ramaddii Barreefamaa dhimma mata-duree jalqabaa
2. Ramaddii barreefamaa dhimma mata-duree lammaffaa
3. Ramaddii barreefamaa dhimma mata duree sadaffaa
4. Ramaddii barreefama dhimma mata duree arfaffaa
5. K.K.f

# IBIROOTA 1

## HIIKAWWAM HAARAAWA RAMADDIWWAN KEEYATAA

| UBS[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Waaqayyo ilma isaan dubbateera Waaqayyo | mul'achuu aaqayyo | dursa | Sagalee Waaqayyoo karaa ilma isaa | Guddummaa isa foon uffate ilma Waaqayyo |
| 1:1-4 Ilmi ergamoota irra caala | 1:1-4 Ilmi ergamoota irra caala | 1:1-4 Olaantummaa Kristoos Ergamoota irratti (1:5-2:18) | 1:1-3 Guddummaa ilma Waaqayyoo | 1:1-4 Ilmi ergamoota irra guddaadha 1:5-2:18) |
| 1:5-14 | 1:5-14 | 1:5-14 | 1:4-13 | 1:5-13 |
| | | | 1:14 | 1:14 |

## MARSAA BARREEFAMAA SADII (fuula vi ilaali kutaa seensaa)

Yaada barreessaa isa jalqabaa sadarkaa keeyaataan duuka bu'uu

Qajeelmani qayyabannaa hiika yeroo ta'u, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu ofii keeti yeroo hiiktu itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kenameen deddeebi'uutu nurra jira. Hiiktooni jalqabaa si, kitaaba qulqulluu fi hafuura qulqulluudha. Kanaas deebifte Kan hiike irratti jechama kan biraan akka hin fudhanne.

Boqonnicha yeroo tokko dubbissi. Yaada-ijoowwan irratti. Yaada-ijoo kee ramaddiiwwan gara olitti tarreefaman hiika shanan wajjin wal bira qabi. Ibsi guutuun keeyaticha irratti argamuu yoo baatees hiiki yaada barreessicha jalqabaa ta'e inni guddaan irratti ni argama. Tokkoon tokkoon keeyataa yaada ijoo tokkoo fi tokko qofa qabateera.

1. Keeyata jalqaba
2. Keeyata lammaffaa
3. Keeyata sadaffaa
4. K.k.f

---

*yaada haafuraan kan liqimfame yoo hin taanes, ramaddiin keeyaticha yaada barreessichaa isa guddaa kan itti fufee jiru hubachuudhaaf furtuu dha. Tokkoon tokkoon hiiki ammayyaa keeyaticha ramadee guduunfaa isaa akka dhi'eessu godhameera. Tokkoo tokkoon keeyataa mata duree giddu galeessa tokkoo, dhugaa yookaan yaada qaba. Tokkoon tokkoon galagalcha mata duree sanaa mataa isaatiin karaa adda ta'een kaa'eera. Barreefamicha yeroo dubbiftu, hiiki inni kami dhimma mata - duree irrattis ta'e ramaddii barreefamaa hubannoo keetii wajjin akka wali galu of gaaffadhu.

Tokkoon tokkoon boqonnaa duraan dursitee kitaaba qulqulluu dubbisuu sirra jira, akkasumas dhimma mata duree adda baasuuf (keeyata isaa). Achi irraas hubannoo kee hiikoota isa haaraa wajjin wal dorgomsiisuutu sirra jiraata. Kitaaba qulqulluu hubachuun kan nu dandeenyu yaadni barreessaa jalqabaa maal akka ta'e waan qabatamaa fi taatee irratti hunda'e (logic) fi akkaataa dhi'eenya isaa yoo hubannee dha. Barreessaa jalqabaa qofa yaada hafuuraatiin kan liqimfame – warri dubbistootni ergicha jijjiruus ta'e fooyessuuf mirga hin qaban. Kan kitaaba qulqulluu dubbiftootni dhugaa yaada hafuuraatiin liqimfame guyyaa hundumaatiif jireenya isaanii hundumaan hoji irra oolchuudhaaf dirqama qabu.

**Yaadannoo : -hundumtuu jecha ogummaatii fi jecha gabaajee guutummaatti maxantuu tokko, lama, fi sadi irratti ibsameera.**

**QABIYYEE YAADA BARREEFAMICHAA**

A. Keeyatni jalqabaa kan Yesus dubbi dacha/faaruu ibsa, daangaa kan hin qabnee fi mo'icha oolchuu isaati. Inni Gooftaa uumama hundumaati, keessumatti Gooftaa biyya lafaa kana. Kunnis ibsa gaalee torbaatiin taa'eera. Inni isa tokkooffaa isa guddaa kan Kiristoloojiiti kakuu haaraatti (Yoh. 1:1-18, Fil. 2:6-11, fi Qol. 1:15-17).
   1. Dhaaltuu uumama Waaqayyoo (lakk. 2)
   2. Bakka bu'aa uumama Waaqayyoo (Lak. 2)
   3. Calaqqisiisaa ulfina Waaqayyoo (lak. 3)
   4. Fakkaatti sirri amala Waaqayyo (Lak. 3)
   5. Kennaa uumamaa Waaqayyoo (Lak. 3)
   6. Uumama Waaqayyootiif haraarri kan irraa argame (Lak. 3)
   7. Abbaadhaan kan ergame mootiidhaa fi lubummaa Masihii (Lak. 3)

B. Lakk. 1-4 dursee kan inni ibsuu Waaqayyo akkamittiin nuuf karaa haaraa karaa ilma isaati akka nuttu dubbatu, Yesus nama Naazireetin. Kana booda xiqqoo xiqqoo karaa tajaajiloota isaati ibsa hin fudhannu (jechuun, rajoota kakuu moofaa), amma garuu miseensa maatiitiin karaa ibsa guutuutiin ("Ilma" 1:2, 3:6, 5:8, 7:28).

C. Keeyata lammaffaa (lakk. 5-14) ergaa olaantummaa Yesus itti fufa. Lak. 1-4 irratti inni baay'ee olaantummaa kan qabu ibsadha, raajoota caalaa: Lak. 5:14 inni baay'ee olaantummaa kan qabu giddu galeessa dha, ergamoota caalaa, tartiba torban barreefamawwan kakuu moofaa kan mirkanaa'ee, kan Septuwajenti (baay'iinaan farfannaa keessaa):Far. 2:7, 2Sam. 7:14, Far. 97:7, Far. 104:4, Far. 45:6-7, Far. 102:25-27 fi Far. 110:1.

D. Barreessichi/tiin barreefama isaa karaa of eegannaan akka hundeesse hubadhu (A. fi C.). torba lakkoofsa muda-malleessa dha, akka lakkoofsa Yihudiiti (jechuun, Seera uumamaa 1 guyyoota torba).

## QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE

### IBROOTA 1:1-4

**1Bara duriitti Waaqayyo si'a baay'ee karaa garaa garaatiin, raajootaan abboota keenyatti dubbateera. 2 Guyyoota bara isa dhumaa kanatti immoo ilma isaatiin nutti dubbate; Waaqayyo ilma isaa kanaan waaqaa fi lafa uume; waan hundumaas harka isaatti kennuuf isa dhaabe. 3 Ifni ulfina Waaqayyoo isa irraa in calaqqisa, Waaqayyo akkuma jirutti isaan in mul'ata; dubbi isaa isa humna qabeessaanis waan uumamee hundumaa in baata. Inni cubbuutttii qulleeffamuu erga argachiisee booddee, ol gubbaa mirga isa surra-qabeessa dhaqee in taa'e. 4. Kanaanis maqaan Waaqayyo isaaf kenne maqaa ergamootaa ira caalaa beekamaa akkuma ta'e, innis ergamoota irra caale.**

**1:1 "Waaqayyo dubbatee"** "Waaqayyo" Waaqayyo duraan dursee (fuulaa fuulatti) hin teenye, hima Girikiitiin, kanaaf, barreefamni kun ibsa mul'achuuf xiyyaafannoo hin kennu, ta'us garuu haala mul'achuu yeroo darbeeti malee (kan keeyata gocha yeroo ammaa).

▣ **"Raajootaan"** Warri Yihudaa kan isaan amanan raajootni qulqulluu sagalee isaa akka barreesaniti. Sababa kanaaf Museen akka Raajootaatti kan inni lakkaa'amu (Kes. 18:15) akkasumas Yihudooni kitaaboota Seenaa Iyyaassuu dha hanga moototaa kan jiran "raajoota duraanii" jechuudhaan kan isaan adda baasan. Kanaaf, gaaleen kun raajoota kakuu moofaa qofa hin eeru, ta'us garuu barreessitoota kakuu moofaa hundaati malee.

"(en) dhaan gaaleen raajoota jedhu (Lak. 1) "keessaa (en) mucaa isaa" wajjin walcina dha (Lk. 2). Ifaa kan ta'ee dhiiphaan jira, wali galtee mul'achuu lamaan gidduu. Inni tokkoo tajaajila yeroo ta'u inni tokkoo immoo misensa maatii dha. Inni jalqabaa walakaa qofa yeroo ta'u inni lammaffaa garuu guutuu fi" muda-maleessa dha (Qol. 1:15-17).

▣

**NASB** "gosa baay'ee fi karaa baay'ee"
**NKJV** "yeroowwan adda addaatii fi karaawwan adda addaa"
**NRSV** "baay'eedhaa fi karaa adda addaan"
**TEV** "karaa baay'eedhaa fi yeroowwan baay'ee"
**NJB** "kan darban yeroo baay'eedhaa fi bifawwan baay'ee"

Mul'achuun kakuu moofaa xiqqoo xiqqoodhaan, bocaa fi qabiyyeen. Gaaleen kun duraan dursamee ka'aameera (fuulaa fuulatti) barreefama girikiin Lak. 1 irratti, xiyyeefannaa barreessichaa argisiisuuf. Tokkoon tokkoon barreessan kakuu moofaa isa gudda tokko, garuu gartokkeen isaa, ergaa qaba.

**1:2 "Bara dhumaa kanatti"** kun kan bara yeroo maqaa heedduudhaan ni beekama.

1. Kan bara dhumaa, Ser. Lak. 24:14, Kes. 8:16, Dan. 2:28, 10:14
2. Bara dhumaatti Erm. 23:20, 30:24, 49:39, His. 38:8, 16, Hos. 3:5, Iyu. 2:28 (HoE. 2:17) Yoh. 6:39, 40, 44, 54, 11:24, 12:48, 2Xim. 3:1, Yaq. 5:3
3. Yeroo dhumaatti 1Phex. 1:5
4. Bara raawwatameeti, 1Phex. 1:20
5. Guyyaa dhumaa irratti 2Phex. 3:3
6. Yeroo dhumaatti 1Yoh. 2:18

Bara raawwata dhumaatti "guyyaa gooftaa" jechuudha, (jechuun, "gonfachuu" Mat. 13:39, 40, 24:3, 28:20, Ibr. 9:26).

Bara kitaaba qulqulluu gidduutti kan turan Yihudoonni bara lama arganiiru, isa hamaa ammaa kan bara finciluu fi cubbuu (Um. 3 irratti kan jalqabe) fi bara tolaa dhufu, dhufaati Masihiitiin kan eebbifamu, humna Hafuura Quulqulluutiin. Kakuu moofaan kan xiyyaafannoo itti kennu Masihiidhaa fi firdiidhaa fi humnaan dhufuu isaati. Bara haaraa hundeessuuf. Ta'us inni kan Yesus Kristoos jalqaba dhufaatti isaati ifatti ilaaluudhaaf hin dandeenye. (1) kan akka "tajaajilaa rakkina fudhatu" Isa. 53 irratti (2) kan akka isa gad of deebisee ilmoo harree irra taa'u Zak. 9:9 irratti, fi (3) kan waraaname Zak. 12:10 irratti akka jedhe. Kakuu haaraa irratti ijaaramaa akka deemuuti mul'anni dhufaati Masihii lama Waaqayyoo akka karoorse ni beekna. Yeroo inni fooniin jiruu fi (dhufaatti jalqabaa isaa) fi deebi'ee dhufuu isaa gidduu barri Yihudootaa lama itti dabalamanii wal irra oolu. Kunis kakuu haaraatti "kan bara dhumaa" gaalee jedhuun beekama. Bara kana irratti waggaa kuma lamaa ol jiraateera.

## Mata duree addaa: Bara kanaa fi bara dhufuu

Raajoonni Kakuu Moofaa kan gara fuulduraa kan argisiisaan kan ammatti fufee godhaniti. Isaaniif barri dhufuu Israa'eliifi teessumma lafaa harreessudha. Taus, isaan kan isaan ilaalan akka guyyaa haarattii (Isaayaas 65:17, 66:22). Itti fuufinsa kan qabuu fedhaan Yaahiwwee fudhachuu dhiisuun, kunnis sanyoota Abirahimin (bara bittaa booda illee) bifa haaraa kan qabuu kan Yihuuda kakuu kan tuquu kan ta'ee og-barruun bara dhumaa babalachaa dhufe (jechuun, Iheenook, IV Izzira, II Baaruuk). Barreefamni kun bara lamaan gidduu kan addaa baasan ta'u jalqaban, bara hamaa yeroo ammaa to'annaa seexanaa jala kan jiruu, fi kan dhufuu bara tolaa, to'annaa hafuura qulqulluu jala kan ta'ee fi Masihiin kan eebbifamee (yeroo hundaa loltuu cimaa).

Naannoo kana kan jiruu xin-waaqummaa (bara dhumaa) guddinni ifaa ta'ee tokkoo jira. Warra barumsa Waaqayyumma barsiisan kana "gudachaa kan deemuu mul'ata" jedhanii waamuu. Kakuu Haaraan

baroota kana lamaan haara kan Kosmiikii (biyya lafaa) in jabeessu (jechuun, kan yeroo (kan lafaa) a temporal dualism).

| Yesus | Phaawolos | Ibiroota |
|---|---|---|
| Maatihos 12:32 | Roomee 12:2 | 1:2 |
| Maatihos 13:22 fi 29 | I Qorontos 1:20, 2:6, 8:18 | 6:5 |
| Maariqos 10:30 | II Qorontos 4:4 | 11:3 |
| Luqaas 16:8 | Galatiyaa 1:4 | |
| Luqaas 18:30 | Effeessoon 1:21, 2:1, 7, 6:12 | |
| Luqaas 20:34-35 | 1Ximootihoos 6:17 | |
| | 2 Ximootihoos 4:10 | |
| | Tiitoo 2:12 | |

Kakuu Haaraa keessatti barrii Yihuudotaa lamaan walirra aana sabaaba lamaan dhuufatti Masihiiti kan in eegamiin ta'uu isaati fi raajuun isaa guddatee mul'achuu isaa. Foon Yesus ta'uun eebba bara haaraa kan ta'ee raajii Kakuu Moofaa raawwatte (Daani'el 2:44-45). Ta'us, Kakuu Moofaan immoo kan isaa akka murteessaa fi mo'icha argamsiisaati dhufuu isaatti ilaalaniiru , ta'us inni duraan kan dhufee akka tajaajila rakkina fudhatuuti (Isaayaas 53, Zakkariyaas 12:10), kan gadi of qabee fi kan gadi of deebisee (Zakkariyaas 9:9). Innis humnan in deebi'a akkuma Kakuu Moofaatti akka raajamee Mul'ata 19). Sadarkawwaan isaan kana lamaani dhuma argachuudhaaf mootummaan isaa akka dhufuuf sababa in ta'u (eebba), garuu fuulduratti (guutummaatti hin firoomne). Kunnis kakuu haaratti yaada falmisiisuu dha, waan dur ta'eef, kan hin ta'in!

⊡ **"Ilma isaa" "**ilma isaa" gaaleen jedhuu, qubee guddaadhaan ta'uun irra hin jiraatu, sababni isaa asitti kan inni eeruu haala mul'achuu isaati malee maqaa waamiichaa Yesuus waan hin taaneef (3:5-6, 5:8, 7:28). Yesus akkuma Musee yookaan raajootaa tajaajilaa miti, miseensa maatiti malee, (ilma).

⊡ **"Kan muudeen"** kun kan gocha ammaa argisiisuudha, innis gocha xumurame kan argisiisu (gocha yeroo) yeroo darbe (bifa argisiisuun). Waaqayyo Yesuusin dhaaltuu kan godhe yeroo kam turee? Yeroo cuuphameedhaa (Mat. 3:17) yookaan yeroo du'aa ka'e (Rom. 1:4)? Gaaffiin kun gara faallaa amantiitti "guddifachaa" geggeessa. (Hiika jechoota dhuma kitaabaa irratti barreefaman ilaali), innis kan jedhuu Yesus Masihii ta'eera dha, yeroo ta'e irratti. Ta'us, kun Yoh. 1:1-18, 8:57-58 Fil. 2:6-7 ,fi Qol. 1:17 wajjin wal falleessa. Yesuus yeroo kam iyyuu hafuura (Yoh. 1:1-2), kanaaf, faallaan amantii kan foonii waa'ee le'ii jireenyaa haala qo'atuun guyyaa isaa gara boodaatti dirqama argisiisuutu irra jiraata.

⊡ **"Hundumaa dhaaltuu isa godheen"** "akka mucaa Waaqayyootti" mucaa adda ta'e kan Waaqayyoo (Yoh. 3:16), inni dhaaltuudha(Mat. 21:33-46, Far. 2:8). Wanti ajaa'ibsiisaan eenymmaan cubbuu, amantii isa irratti qabuun, dhaala isaa hirmaachuudha (1:14, 6:12, Rom. 8:17, Gal. 4:7).

⊡ **"Akkasumas immoo biyya lafaa kan ittiin uume"** isas yeroo hundumaa sirritti beekuun rakkisaadha, jechootni cinaan akkamitti akka hiikaman. Wantoota wal fakkaatan giddutti hiika jechootaa fi himaa wal irra ta'ee qofa qaba. Kan Girikii jechi ogummaa, kam irraa iyyuu uumuu yeroo ta'uu *ktizÔ* yeroo ta'uu, ta'us barreefama kana irratti jechi jiru *poieÔ* dha. hiiki isaas wanta tokko waan dursee ture irraa hojjechuu dha. Barreessichi jechoota kana karaa walfakkaataadhaan kan inni fayyadame yookaas karaa adda ta'een yaaduudhaanii? Akkaatee adda ta'een yaadamuun isaa shakkisiisaadha, sababni isaa barnoota hafuuraa akka yaada barreefamichaatti kan inni eeru jecha haasaatiin kan ta'e uumama ta'uu isaatin (ex nihilo, Um. 1:6, 9, 16, 20, 24, 26, ha ta'uu malee 2:7 irratti Waaqayyo nama uume). Kitaaba haaraa John Walteniin barrefame ilaali, kan seera uumamaa, Addunyaa badee tokkoo ilaali.

"Addunyaa" jecha akkuma jirutti "baroota" (*aiÔnos)* kun biyya lafaa argisiisuu danda'a (Mat. 28:20) yookaan barootaaf (jechuun, yeroo). Yesus dhugumatti uumaa kan lammaniiti (Yoh. 1:3, Qol. 1:16, 1Qor. 8:6). Barreessaan Ibirootaa lammanuu gargaarameera *aiÔnos* (1:2, 6:5, 11:3) fi kosmos (4:3, 9:26, 10:5, 11:7, 38), walumaa galatti akka jecha wal fakkaataati.

**1:3**
**NASB "innis calaqqisuu ulfina isaatiti"**
**NKJV "innis calaqee ulfina isaatiti"**
**NRSV, NJB "inni kan ulfina Waaqayyo calaqqisiisu"**
**TEV "kan Waaqayyo ulfina ifu calaqqisiisa"**

"Calaqqisaa" jechi jedhuu (apaugasma) kakuu haaraa keessatti as qofatti faayidaa irra oole. Fiiloo irratti faayidaa irra kan oolee Masihiin Yaahiwwee wajjin walitti dhufeenya inni qabuudhaan, Loogos kan calaqqee hafuuraati bifa jedhuun. Abbootni waldaan kristaanaa Girikii durii isa kan itti fayyadaman, Kristos kan ifa Waaqayyo callaqisiisuudha bifa jedhuun. Bifa beekameen Yesuusiin ilaaluun Waaqayyoon arguudha (Yoh. 14:8-9), kan ifa aduu guutuumaashee daawiitin akka calaqqisiisuutti. "Ulfina" kan jedhu jechi Girikii (kabod) yeroo hundumaa faayidaa irra kan inni oolu bifa ifa jedhuun (Bau. 16:10, 24:16-17, Lew. 9:6).

Gaaleen kun wal qabachuu kan inni danda'u fakkeenya 8:22-31 wajjin, achitis "ogummaa" (jechichi kan saala dubartiitiin, lammanuu Ibrootaa fi Girikiidhaan) innis akka uumama Waaqayyo jalqabaatti nammumesseera (sirak 1:4) fi bakka bu'umsa uumuu (ogeessicha Solomoon 9:9). Yaad-rimeen wal fakkaataan kun Apokilaptikiin Kitaaba isaa irrattis jabeesseera ogeessichi Solomoon 7:15-22 a fi 22 b -30. Fak. 8:22 ogummaan waan hundumaa hojjeteetti, lak. 25 irratti ogummaan waan qulqullaa'aa kan argisiisuudha kan Waaqayyoo, lak. 26 irratti ogummaan callaqee ifa bara baraati, hojiin Waaqayyoo mudaa kan hin qabne daawiiti, fi lak. 29 irratti ifaa wajjin calaqqisa (jechuun, aduudhaa fi urjoota) iseen olaantummaa ta'uudhaaf argamteeti."

Kakuu moofaatti "ulfinaaf" kan baay'ee baratame jecha Ibirootaa (kabod) ka'umsi isaa jecha daldalaa ture (innis hidhata madaallii kan argisiisu) echuun "ulfaataa ta'u" jechuun gatii ulfaataa qaba yookaan faayiidaa uumamaa qaba. Yeroo hundumaa yaad-rimeen ifaa sagalee isaa irratti kan eda'amu ulfina Waaqayyo ibsuudhaaf, yeroo lafa gamoojjii keessa jooru (shekinah duumessa ulfinaa). Isa qofaaf kan ta'uuf kabajamuun kan irra jiraatuu dha. Inni baay'ee ifaadha ilma namaa kufeen ilaalamun kan hin danda'amne. Waaqayyo kara Kristoos qofa dhugaatti beekamu kan danda'u (Mat. 17:2, Ibr. 1:3, Yaq 2:1).

"Ulfina" jechi jedhu hiikii isaa rakkisaa kan ta'eedha (1) inni "tola Waaqayyo" ta'uu danda'a (2) inni kan Waaqayyoo "qulqullummaa" yookaan "mudaa malee" eeruu danda'a, yookaan (3) fakkaatii Waaqayyoo eeruu danda'a, ilmi namaa kan irraa uumame (Um. 1:26-27, 5:1, 9:6), booda irratti garuu sababa hameenyaatiif kan faalame (Um. 3:1-22).

▣

**NASB "bakka bu'aa sirrii kana mala isaati"**
**NKJV "fakkaatti qaama isaati kan ibsu"**
**NRSV "fakkaatti sirrii le'ii Waaqayyoo kan ibsu"**
**TEV "fakkaatti sirrii le'ii mataa isaa kan Waaqayyo kan ibsu"**
**NJB "kan Waaqayyoo mataa isa argisiisa le'ii kan qabate"**

Gaaleen kun kakuu haaraa keessatti as qofatti kan inni argamu, haa ta'u malee inni barreefama fiiloo irratti yeroo hundumaa argama, innis amala isaa duraa kan raawwatuu fi kan dabalu. Jechi Girikii dursa faayida irra kan oole meeshaa qartuuti, haa ta'u malee kan inni bakka bu'uu mallattoo inni tolchee dha. Yesus hafuura qofan hin calaqqisiisu, inni chaappaa adda ta'e kan hafuuraa qabateera (Yoh. 14:9).

Jechi Girikii lama Kristos abbaadhaa wajjin walitti dhufeenya inni qabu kan ibsan jiru (1) eikon, hiiki isaas fakkii, 2Qor. 4:4, Qol. 1:15,) fi (2) character (Ibr. 1:3). Isa duraa kakuu haaraatti baay'ee kan baratame yeroo ta'u jechi booda irraa garuu hiiki isaa kan jabaateedha (KJV "fakki siri"). Waaqayyo

maal fakkaataa? Inni sirritti Yesus nama Naaziret fakkaata, Waaqa hin mul'annee guutuu fi ibsa mudaa hin qabne!

▣ **"Waan hundumaa deggeraa"** jechi baratamaan kun "baachuu yookaan qabachuu" dha (*pher*Ô), ha ta'u malee akka yaada barreefama kanaatti hiiki inni qabu "qabachuu" "kunuunsuu" "nyaachisuu" dha. Kunis yaad-rimeen barumsa hafuuraa "kennu" argisiisa (Qol. 1:17, fi kan eeru kan biraan kan yaadamu ogeesscha Solomon 8:1). Yesuus samii qofa hin uumne (kan biraan *pher*Ô kan biraan hiiki yaadamu) dubbi jechaa (Um. 1), inni garuu kan jabeesse dubbi dachaatiin!

▣ **"Aboo sagalee isaa"** akka yaada Yihudotaatti humni Waaqayyo kan dhi'aatu dubbi sagalee isaatin. Helehim kan uumu dubbi sagaleetiin (Um. 1:3, 6, 9, 14, 20, 24). Jechi Yaahiwwee humna bilisa ta'e qaba, fedha isaa raawwachuudhaaf (Isa. 55:11). Kristoos "sagalee" jedhamee Yoh. 1:1 irratti kan waamamee akka tasaa miti.

▣ **"Cubbuu keenya ofii isaatiin erga qulqulleesse booda"** kun kan gocha keeyata giddu galeessaa, innis abbaa isaatiif (sagalee giddu galeessa) mirkaneessuu kan laatu akkasumas gocha xumurame kan ibsu (kan yeroo gochaa 7:27, 9:12, 28, 10:10). Yesus kan inni godhee akka cubbuu dhala namaatti (Mar. 10:45, 2Qor.5:21).

"Qulqullaa'uu" jechi jedhuu kakuu haaraa keessatti bifa baay'eedhaan faayidaa irra ooleera.

1. Kabaja ayyaana qulqulleessuu (Luq. 2:22, 5:14, Yoh. 2:6) n
2. Fayyina qaamaa (Mar. 1:44)
3. Qalbi jijjirannaa cubbuuf fakkiduu (Ibr. 1:3, 2Phex. 1:9 Williham D. mohoyonis tarreefama hundee jechaa kakuu haaraa Girikii fuula 257 irratti akkas jedha).

Jecha Ingliffaa "catharsis" (dhiphina irraa bilisa ta'u) kan nutti arganne jecha Girikii kana irraati.

"Kan cubbuu" akkas kan jedhu ibsa gaalee kana hubadhu. Gaalee kana hubachuudhaaf kan yaadaman karaan lama jiru, (1) inni gochama kan argisiisu abbaa isaa kan argisiisuu dha, "kan cubbuu", "cubbuu irraa" qulqullaa'uu osoo hin taane. Du'I Yesuus haala rakkoo cubbuutiin hojjeta, (2) kan lakkoofsa baay'eeti, kunis kan ijoollee namaa uumama Addaam kan hin argisiifne "rakkoon cubbuu" garuu gocha cubbuuu namoota dhuunfaati male. Yesus fincila cubbuu ijoollee namaa irratti hojjeta (kan darbee fi kan ammaa)

Filannoon barreefama kana UBS[4] hayyuudhaan fudhatama argateera, haa ta'u malee haalli biraanis jira. Kan barreefama maatii Aleksaanderiyaa p46 kan inni bakka bu'uu gaaleen isaa "karaa isaatiin" (dia heautou) umameera, "isaan" (autou) bakka isaa, innis duraan dursee gaalee ture akka eeruu kan godhu. Wal fakkaataan kun garagarummaa barreefama harkaa 1Yoh. 5:18 b irratti argama.

Ajaa'ibsiisaa kan ta'u kun "karaa isaatiin" kan biroo maatii barreefama Aaleksaanderiyaa duriitiin bakka bu'oota isaanii biraati argamuu dhabamu isaati (א fi B) sirritti mirkaneeffachuudhaaf ta'uu kan qabu barreessitootni Ortodoksii gaaliicha sodaataniiru "karaa isaatiin dhiifamni cubbuu ni ta'a" kan inni jedhu, tarii gara tilmaama Ginostikiiti akka hin geggeesinee fi "diheautou" gara "outou" akka hin jijjire. Gar tokkootti jechuun barreesitoota Ortodoksi ibsa guutuu D. E Hermaan kan sagalee isaa badiisa kallatiidhaani, maxansan oxfordii, 1993 ilaali.

▣ **"Sami irra mirga ulfina isaati taa'e"** kun hojii xumuramee kan Yesus fi karaa fakkiduu ulfina isaa argisiisuuti (Faru. 110:1, Luq. 22:69). Waaqayyo harka mirgaa hin qabu kun fakkiduu kitaaba qulqulluuti (nammumessaa) humna, aboo, fi olaantummaa. Lubni kakuu moofaa kam iyyuu raawwatee hin teenye! Kan Yesuus hojiin lafa irraa ni xumarame. Kun kan mootii, kan fakkiidu mo'uuti (Faru. 2, 45, fi 110:1-3) gochoota lubbootaa wajjin kan wal qabatuu (Faru. 110:4 fi Zak. 4). Hawaasni garba du'aa Masihiwwan lama eega, inni tokkooffaan lubummaa (jechuun, sanyi Haaroon irraa, gosa Leewwi irraa) inni tokkooffaan kan mooti (jechuun sanyii Iseeyi, gosa Yihuudaa). Yesus tajaajila dibata kakuu

moofaa sadanuu guuteera, raajii, (Kes. 18:18), Luba (Faru 110:4), fi mootii (2Samu. 7:13, 16, Faru. 2, 110:1-3).

⊡

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV,** | |
| **NRSV** | **“guddina simboo isaa”** |
| **TEV** | **“kan Waaqayyoo humna olaantummaa”** |
| **NJB** | **“kan hafuuraa simboo humna”** |

Kun dubbii naanna’eedha. Yihudonni maqaa Waaqayyoo fayyadamuu ni sodaatu turan akkasumaan akka hin waamneef (Bau. 20:7) kanaaf isaan fillannoo heedduu jechootaa fi gaaleewwan galchan (jechuun, “mootummaa Waaqa”, “teessoo” k.k.f.). yookaan keeyata raawwii fayyadamuu, isa eeruudhaaf.

**1:4** Gochamni kun kan ce’ee kan inni fakkaatu lak. 1-3 fi lakk. 5:14 gidduu. Hiiki ingilliffaa inni haaraan (TEV) guddummaa Yesuus Kristoos ergamoota irra caaluu isaa ibsa. Lakk. 3 irraa jalqaba.

Yesus ergamoota irra akka caaluu maqaan kennameef (Rom. 8:38-39, Ef. 1:21, Qol. 2:15) “ilma” (lak. 5 [yeroo lama] fi 8 ) yookaan “gooftaa” (lak. 10 fi Fil. 2:9-11).

Isaaf “baay’ee kan fooya’ee” 7:7 irratti yaadannoo guutuu jiru ilaali.

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALE**

## IBROOTA1:5-14

**5Waaqayyo ergamooa isaa keessaa eenyuun, “ati ilma kooti, ani haran si dhalche” yookiis eenyuun, “ani isaaf abbaa nan ta’a, inis ilma anaaf in ta’a” jedhee beeka? 6Waaqayyo ilma isaa isa angafa waan hundumaa, gara biyya lafaatti yemmuu erge immoo, “ergamoonni Waaqayyoo hundinuu isaaf ha sagadan!” jedhe. 7 Waa’ee ergamootaa illee, “inni ergamoota isaa akka qilleensaa, warra isaaf ergamaniis akka araba ibiddaa in godhata” jedhe. 8Waa’ee ilmaa garuu “teessoon kee yaa Waaqayyo baraa amma baraatti uleen mootummaa kee ulee qajeelummaati. 9Ati qajeelina jaallatee jal’ina jibite; kanaaf Waaqayyo, Waaqayyochatu si diba, dibata gammachuu kanaanis warra si wajjin jiran irra si caalchise” jedhe. 10 ammas immoo, “Ati yaagooftaa, jalqabatti hundee lafaa jabeessiteeta, bantiin waaqaa hundinuus hojii harka keetiiti, 11ati haftee ni jiraata isaan garuu baduuf jiru, hundumti isaanis akka uffataa ni moofa’u, 12Akka uffataas isaan ni marta, akka uffataas ni geedaramu; ati garuu hin geedaramtu, waggoonni kees dhuma hin qaban” jedhe. 13Waaqayyo ergamoota isaa keessaa eenyuun,” diinota kee ejeta miila kee amman siif godhuutti gara mirga koo taa’i!” jedhee beekaa? 14Isaan kun hundinuu hafuuroota hojii, warra fayyina argachuuf jiraniif hojjeechuudhaaf ergaman mitiiree?**

**1:5 “Ati mucaakooti”** kun dubbifama kakuu moofaa torban keessaa isa tokko, Septuwajenti irraa kan eerame, kan Masihichaa ergamaa irratti kan caalu ta’uu isaa mirkaneessuuf. Gaaleen jalqabaa kan inni dhufe Faru. 2:7 yeroo ta’u, inni lammaffaan immoo 2Sam. 7 :14 dha, gaaleen jalqabaa kun yeroo baay’ee wangeela keessaatti faayidaa irra ooleera, Kristoosiin eeruudhaaf,

1. Cuuphamuu isaa (Mat. 3:17, Luk. 3:22)
2. Jijjirama irratti (Mat. 17:5, Mar. 9:7)
3. Du’aa ka’uu irratti (HoE. 13:33, Rom. 1:4)

“Ilma,” jechi jedhu luqisii lamaan irratti faayidaa irra ooleera lak. 5 kun kakuu moofaa irraati, namoota adda addaa/obboloota eeruudhaaf 2:7 irratti yaadannoo guutuu ilaali.

1. Ergamaa (Um. 6:2, 4, Iyo. 1:6, 2:1, 38:7, Faru. 29:1, yeroo hundumaa kan baay'ee)
2. Saba Israa'eel (Hos. 11:1)
3. Mooti Israa'eel (2Sam. 1:14, Faru. 89:27)
4. Masihii (Faru. 2:7)

⊡ **"Ani har'a si dhalcheera"** Yesuus yeroo kam iyyuu hafuura (Yoh. 1:1-18). Kanaafiiyyuu, kun qabiyyee amala isaati hin argisiisu, garuu yeroodhaan mul'achuu isaa malee (foon ta'uu isaa). Tarreesitootni tokko tokkoo du'aa ka'uu wajjin wal qabsisaniiru (Rom. 1:3-4). Barsisonni tokko tokkoo Faru. 2:7 wajjin kan isaan ilaalan Masihichi rakkina hafuura erga fudhate booddee gara jireenyaatti dhufuu isaati (Isa. 53). Gochamichi kan gocha xumuramee ammaa kan argisiisu, hiiki isaas "sin dhalche." Kun kan barsisootaa eeruu ta'u danda'a, kan Fakkeenya . 8 22-31, achittis "ogummaa" (Ibirootaan akka saala dubartiitti) kan Waaqayyoo uumama jalqabaa kan taate fi, kan Waaqayyoo bakka bu'aa uumama itti aanu irratti (akkasumas immoo Ogeessicha Solomoon 7:1-8:1 ilaali). Kan eerame kun kan hafuuraa kallatti akka dubartii fiduu miti, yookaan Yesuusiin akka le'ii uumamaatti jabeesuufmiti, haa ta'u malee Yesus nama Naaziret uumama irratti bakka bu'aa Waaqayyo abbaa ta'uu isaa jabeessuudhaaf (Lak. 10, Yoh. 1:3, 1Qor. 8:6, Qol. 1:16 innis lak. 2 irratti kan eerame).

⊡ **"Ani abbaan ta'aaf"** kun saptuwajenti irraa 2Sam. 7:14 kan eeruudha, innis ka'umsuma isaa irraa Solomooniin kan eeru. Barreessan Ibirootaa Yesuusif oolchaniiru. Dachaa kan eeru kun (durba irraa dhalachuu) wajjin raajiidhaa wajjin wal fakkaata Isa. 7:14. Lamannuu kan raawwii heedduu fakkeenya raajiiti. Barreesitootni kakuu haaraa haafuuraan liqimfamu jala ta'anii kakuu moofaa karaa barsisootaatiin fayyadamaniiru, karaa ramadiitiin, fi galumsa jechootaa fi isaanis hiikooti gara boodaa sirri miti. Itti fufee kan jiru ibsa ilaali.

## MATA-DUREE ADDAA: MUL'ISUU (ILLUMINATION)

Baroota darban keessa Waaqayyo dhala namaatti of mul'isuuf adda baasee gocha hedduu godheera. Gama Tiyooloojiitiinis kun "Mul'ata" (revelation) jedhama. Innis namoota hedduu filatee akka isaan galmeessaniif of ibsuu kana akka ibsaniif godhe. Gama Tiyooloojiitiinis kun ibsuu /mul'isuu jedhama. Afuurri qulqulluun dubbii Waaqayyoo nama hubachiisa jennee yemmuu ibsinu rakkinni ka'u ni jira. Kan kanaafuu maaliif ibsi isaa hedduun jiraate? Jedhu. Rakkinni kunis kan inni mul'atu hubannoo fi muuxannoo jalqaba dubbistootni qaban keessatti. Ajandaan namummaa kan inni uumamu Wangeela akka barru mirkaneessuu (proof text) ykn Faashinii ammayyaatti ilaaluunidha. Ibsi Tiyooloojii kaawaa Wangeela ibsuu irratti qabu bakkawwan muraasaa fi karaalee filatamoo ta'an qofaan eeyyama. Afuurri qulqulluun lamaan isaanii keessattiyyuu argamu, mul'isuu (Illumination) fi ibsuu (inspiration) salphaa dhumatti wal qixa miti.

Ibsa gaarii kan ta'e yaada ijoo keeyyata ibsuuf yaaluu malee hiika bal'aa ta'e tokkoon tokkoon barreeffamaaf kennuu miti. Kunis duree yaadaa kan ijoo dhugaa barreessaa jalqabaa miidhuu danda'u waan ta'eefidha.

Gumee kitaabaaf baasuun ykn Ijoon og-barruu yaada/fedha barreessaa jalqabaa duukaa bu'uf nama gargaara. Jijjiirraatu ibsama miti. Malawwan ibsa Wangeelaa barreessitootni itti fayyadaman irra deebinee uumuu hin dandeenyu. Waan isaan baroota isaanii keessatti jedhanii darban hubachuuf yaaluun baroota keenya keessatti dhugaa sana dubbachuudha kan nuti dandeenyu. Kutaan wangeelaa hin hubatamne ykn dhoksaa ta'es ni jira (hanga yeroo muraasaatti). Yeroo mara waldhabbiin (waliigaltee dhabuun) barreeffamoota muraasaa fi dhimma isaaniirratti ni jira, garuu ijoo dhugaa isaa adda baafnee ibsuu fi yaada barreessaa jalqabaa hordofuun jijjiirtotni akka jiran bilisummaa kennuufii qabna. Warri hiikkatanis ifa qabaniin adeemuu qabu. Yeroo mara ibsa wangeela irraa argatanii fi Hafuura qulqulluurraa qajeelfama argataniin sammuu banamaan ilaaluu qabu. Waaqayyos sadarkaa hubannoo keenyaa irratti hundaa'uu fi akkamitti akka jiraannu yaaduu keenyan qajeelfama nuuf ni kenna.

**1:6**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"akkasuams immoo yeroo inni itti gale"** |
| **NKJV** | **"garuu immoo yeroo inni itti gale"** |
| **NRSV** | **"akkasumas immoo, yeroo fidee"** |
| **TEV** | **"garuu Waaqayyo yeroo erge"** |

**NJB** **"akkasumas immoo yeroo fide"**

Kun kan ilmaa dhufaati isaa hin argisiisu. Inni karaa barreefamaati luqisii haaraa wal barsiisuudhaaf (lak. 5 D, 2:13, 4:5, 10:30).

NASB, NKJV, NRSV, fi NJB "yeroo fidee" kan jedhu akka qabu hubadhu, TEV "yeroo erge" akka jedhe. Mirkaneefannaan jalqabaa kan inni kennuu ol ba'uu kabajamaa Kristoos yeroo ta'u, inni lammaffaa kan argisiisu kan Betehelem kan foonummaati. Kan abbaa fi ilmaa bak—buusi kan jalqabu kan Yesus foonummaa, TEV akka yaada barreefamichaati bifa wayyun simata.

▣ **"Angafa"** gaaleen kun faayida irra kan oole

1. Kakuu moofaatti, achittis kan ilma angaffaa dhaala dacha yeroo kennamuuf maatii isaa kunuunsuudhaaf
2. Faru. 89:27 irratti mootii Israa'eeliin eeruudhaaf
3. Kan barsisoota Yihudootaa inni gaalee dursee ta'uu dha (Rom. 8:29, Qol. 1:15, 18 Mul. 1:5).

Gaaleen kun kan Ariyos/Atinatiyoos falmi isa guddaadha. Ariyoos kan mirkaneessu, Yesus kan Waaqayyoo kan ol jedhe uumama, dubbifama kanaaf faarfannaa 89:27 eeruudhaan. Atinatiyoos kan inni mirkaneessu Yesuus raawwatee hafuura ta'uu isaati lak. 2 fi 3 eeruudhaan (4) bifa fakkiiduutiin, Kristoos "qaama isa haaraadhaaf angafa, kabajuuf kan jiru, kan isaa gooftaa guddaa akka kabaje…. Waaqayyo irraa kan dhufe hawaasa qulqulloota kiristaanaa haaraa argachuudhaaf" hundee jechaa ingilliffaa Girikii irraa Bayuur Aroondati, Gigiriji, fi Daankaan fuula 726), fi (5) addunyaa Giriko-Roomaa angaffi maatii isaatii fi akka lubaati tajaajila (kan Girikii kakuun galmee jechootaa Molteeni fi Miilgan fuula 557).

## Mata duree addaa: Angafa

Jechi kunni "angafa" (prototokos) macaafa qulqulluudhaan fayyadama irra kan oole bifa adda addaa baay'eedhaan.

a. Kan isaa Kakuu Moofaan kan inni argisiisuu dursaa kan ta'ee angafa mucaa maatii keessa yoo jiraateedha (Faarf. 86:27, Luqaa 2:7, Roome 8:29, Ibiro 11:28)
b. Kan isaa Qolaa 1:15 fayyadamni isaa akka dubbatutti Yesusin akka angafa uumamaati, innis waabii Kakuu Moofaa ta'uu danda'a FAkkeenyaa 8:22-31 yookaan kan Waaqayyoo bakka bu'aa uumamaa (Yohaa 1:3, 1Qoro 8:6, Qoro 1:15-16, Ibiroota 1:2)
c. Fayyadamni isaa Qolaa 1:18, 1Qoro 15: 20 irratti (akkasumas asiti) kan inni argisiisuu Yesus du'aa ka'uutti angafa akka ta'ee dha.
d. Innis waamicha Kakuu Moofaati Yesuusif (Faarf. 89:27, Ibiro 1:6, 12:23. Innis amalaYesus baay'ee walin makee kan qabatuu dha, dursuu isaatii fi giddy galleessummaa isaa. Qabiyyee barreefam akanaatiin lakk.3 yookaan lakk.4 haala wayyuun wali gala. 15:21-22 kun kan Addaami ramaddii Kristoositi, innis lakk.45-48 (Roome 5:12-21, Filli 2:6-11) duuka bu'aa. Addaamiin namni hundumtuu cubbuudhaan miidhameera (jechuun, du'aa). Kristoosin, namni hundumtuu ayyaanna isaa guutummaatti argata

Lakk. Qabatamaa hin ta'iin kun Roome 8:15-18 wajjin namooti barumsaa Waaqayyuummaa tokko tokkoo hundumtuu ga''umsa fayyinaa akka qaban akka cimsan godhaniiru. Kan biroon immoo kan ilaalan lamaanu kan fayyanii fi kan badanii akka ka'an argisiisuu isaati (Daani 12:2). Hundumtuu du'a Addaamiin, Yesusiin hundumtuu in ka'aa (jechuun, tokko tokkoo badhaasaaf, tokko tokkoo immoo murtiif). Anaaf ifa kan ta'ee barreefamni Phaawulos qabiyyee barreefama isaa irraa kan fudhatamee, qalbi kan jijjiiratee amantii akka gaafatu dha, fayyudhaaf!

▣ "**Gara biyya lafaa"** kun kan Yesus le'ii duraa argiisa , innis yeroo hundumaa hafuura kan ta'e, ta'u garuu hojiin oolchuu isaa sadarkaa haaraa kan jalqabee Betehelemiti, foon namaa kan uffate (Fil. 2:6-8a). kun baay'ee jecha baratamaa miti kosmos, osoo hin taane oikoumence innis kallatti biyya lafaatiif faayidaa irra kan oole, namootaan kan qabame. Jechi kun immoo 2:5 faayidaa irra ooleera, fakkiiduudhaan bara haaraadhaa fi kan waabefatu.

▣ **"Ergamoonni hundumtuu isaaf ha sagadani jedha"** kun Septuwajenti irraa amma tokko kan fudhateedha, tokkos Kes. 32:43 yookaan Faru. 97:7. Jechi Ibirootaa "ergamaa" Faru. 97:7 faayidaa irra kan oole Elohim dha Cave irraa lak. 4 kitaaba maramaa garba du'aa kun hiika septuwajenti mirkaneefannaa qaban. Elohim jechi jedhu argisiisuu kan danda'u Waaqayyoon lee'ii ergamaa, firdi namootaati (Bau. 21:6, 22:8-9), yookaan immoo hafuura namoota du'aniiti (1Sam. 28:13).

Luqisiin kun hanga foon uffatuutti ergamoonni Kristoosiin hin waaqessan jechuu miti. Akka yaada barreefamichaatti inni kan inni argisiisu guddaa ta'uu kan ilmaa yeroo ta'uu haalli dhugaa isaati immoo ergamoonni akka qooma'aniifidha.

**1:7 "Ergamoota isaa hafuura kan godhe"** kun wal cina dorgomsiisuu isaati kan inni jalqabu ergamoonni kan jijjiraman ta'uu isaani LXX Faru 10:4) garagarummaa dhiibbaa Yesusi wajjin, innis dhaabbataadhaa fi kan hin jijjiramne kan ta'e (Lakk. 8:11, 12, 13:8). Barsisoonni Faru Erm. 3:23 yookaan Dan. 7:10 waabeefachuun, Waaqayyo ergamoota ganama ganama akka haaraatti isaan uume jedha.

**1:8 "Yaa Waaqayyoo, teessoon kee amma bara baraatti jiraata"** saptuwanjeentiin kun Faru 45:6 kan waabeefate yeroo ta'u innis mooti Masihicha argisiisa. Akka yaada barreefamicha kakuu moofaatti bakki maqaa isaa baay'ee hiikii rakkisaa kan ta'eedha, akkasumas Waaqayyo abbaa yookaan Waaqayyo ilma eeruu danda'a. Ta'us, barreefama kanaan ta'uu kan inni danda'au kun mirkaneeffannaa cimaadha, hafuura ta'uun Kristos qulqulluu sagalee isaa irratti bakka hundumaatti kan argamu (Yoh. 1:18, 20:28).

Rakkoon barreefama harkaa Girikii inni guddaan tuqaa kana irra jira. Barreefamni harkaa durii tokko tokkoo (p46 א fi B) bakka maqaa qabu (autou, jechuun, "teessoo isaa") innis hiiki isaa rakkisaa kan ta'e irratti kan dabalatu. Maxansaa arfaffaa degertoota socity kitaaba qulqulluu "kan kee" deggera, sadarkaa "B" wajjin (barreefamichi guutuu guutuutti soo hin ta'in mirkanaa'aadha). Bocni kun qubee naannoo ta'ee gurguddaadhaan barreefama harkaa irratti argama A fi D akkasumas innis Saptuwajenti irraa Faru 45:6 sirritti kan waabeefateedha. Yeroo hundumaa barreesitootni durii barreefama ifatti dhi'eessuu baay'isu, keessumaatti bara isaani irraa falmiin waa'ee Kristosi wajjin adeemu yoo ta'ee (Baart D. Ehermaan kallatti sagalee isaa dabsan, Oxford press 1993, Fuula 265).

Ibsi kun karaa kamiin iyyuu raawwatee hafuura ta'uu Kristoos ganuudhaaf miti, ta'us garuu haala macaafa durii argisiisuudhaaf, barreefamoota gara barnoota hafuuraatti dabalataaniis gara kaayyoo seer-lugaatti jijjiruu isaaniiti male. Sababa kanaatiif seerri barnoota ammayyaa, tarreefamni barreefamaa garaagarummaa barreefamni harkaa kan inni murteessuu kan itti fufani jiran irratti dhaabbachuun kan ta'e

1. Dubbifamni baay'ee hin baratamne tarii isa guddaa ta'a
2. Garagarummaa kan biroo kan ibsan dubbifamni tarii isa guddaa ta'a
3. Rammaddii teessuma lafaa bal'aa ta'an kan qabatan dubbifamoota (maatii barreefama harkaa tokko osoo hin taane) isa guddaa ta'u danda'a

Kitaabni Baart Efreem immoo tuqa isaa teessisa, barreesitootni barreefama Girikii irratti jijjirama kan isaan godhan kaayyoo barumsa hafuuraa irratti, keessumatti Kristoosumaa irratti Waaqasadan tokkoo irratti, yeroo jequmsa jiru irratti (jechuun, jaarraa sadaffaa fi afraffaa).

▣ **"BARAA AMMA BARA BARAATTI"** kun ifatti kan inni argisiisu bittaa bar-kumee miti, ta'us garuu bittaa bara baraatti male (Isa. 9:8, Dan. 7:14, 18 Luq. 1:33, 2Phex. 1:11, Mul. 11:15).

## MATA-DUREE ADDAA: KAN BARA BARAA (KUN JECHAMA GIRIKII)

Jechamni Giriki inni tokkooffaan "bara baraan" kan jedhuu dha. (Luqaas 1:33, Roome 1:25, 11:36, 16:27, Gal. 1:5, 1Xim. 1:17) kunis Ibirootaan Oolam kan jedhuu agarsiisuu kan danda'u. B. Girdlestone, Synonyms of the Old Testament, fuula 321-319 ilaaluun ni danda'ama. Kan biroon walitti dhi'eenya kan qaban "unto the age"

yookaan bara baraan (Mat. 21:19, Yoh. 6:58; 8:35; 12:34; 13:8, 14:16, II Qor 9:9) fi baraa amma bara baraatti kan jedhanii dha (Efe. 3:21). Bara baraan kan jedhuu wajjin homaa hiika adda ta'e hin argisiisu ta'us garuu "barootaaf" kan jedhuuf tarii warra barsisootaan fayyadama fakkeenya galumsa caas-lugaa irratti kan wanta baay'ee (Pirular) hiyyannoo ta'uu danda'a yookaan immoo yaada baroota baay'ee kan qabate ta'uu danda'a kunis bara qulqullummaa Yihudootaa, bara hammeenyaa, bara dhufuu yookaan bara tolaa akka jedhan jechuu dha.

**1:9 "Tola jaallattee hammenya jibbitte"** kun saptuwaajentii irraa Far. 45:7 irraa kan waabeefateedha, innis jireenya lafa irraa Yesuus Kristosi wajjin kan wal qabsiisu.

## MATA DUREE ADDAA: QAJEELUMMAA

"qajeelummaa"n mata duree baay'ee murteessa ta'ee fi baratan mcaaa qulqulluus dhuunfaatti gadi fageenyaan qorachuu kan qabudha.

Kakuu Moofaa keessatti amalli Waaqayyoo "Qajeelaa" yookiin "qulfulluu"jedhamee ibsama (BDB841). Jechi inni Mosopotaamiyaa iyyuu kan inni dhufe, meeshaa ijaarsaa kan ittiin keenyaan manaa qajeelaa ta'uu isaa ilaalu irrati Waaqayyoo jedhichi fakkeenyaan amalli ofii isaatii akka ittiin ibsamuuf fo'ate. Inni golee qajeelaa (geggeessaa) isa wantoonni hundinuu ittiin madaalamanidha. Yaadni kun qajeelummaa waaqayyoo, akkasumas firdii kennuudhaaf aangoo qabaachuu isaa nu hubachiisa.

Namni akka fakkaattii waaqayyootti uumame (Cf. Uma. 3:15) Ilmaan namaa waaqayyoo wajjiin jiraachuudhaaf umaman. Uumamni hundinuu walitti dhufeenya waaqayyoo fi nama gidduu jiruuf sadarkaadha. Waaqayyoo uumamni isaa inni guddaan (namni), akka isa beeku, isa jaallatu, isa tajaajiluu fi akka isa fakkaatu barbaada! Amanamummaan (abboomamuun ilmaa namaa ni qormama (Cf uma 3) warri jalqabaa sun lamaanis formaaticha ni kufan. Kunis walitti dhufeenyi waaqayyoo fi Ilmaan namaa gidduu jiru akka jeeqamu godhe. (cf. uumama 3; Rom 512-21).

Waaqayyo walitti dhufeenya kana akka deebisuuf akka haaressuu waadaa galee (Cf.Uma 3:15). Inni kanaa kan hojjete fedha ofii isaatiin, karaa Ilma isaati . Namoonni walitti dhufeenya kana haaressuu hin dandeenye (Cf. Rofm. 1:18-3:20)

Kufaaticha booddee, tarkaanfiin jalqabaa Waaqayyo walitti dhufeenyicha haaressuudhaaf fudhatu, yaada kakuu irratti hundaa'ee isa waamicha ofii isaatii irraatti hundaa'ee fi isa ilamaan namaas qalbii jijjiirannaa dhaan, amantiidhaan , akkasumas abboomamuudhaan fudhatniidha. Kufaaticha irraa kan ka'ee , ilmaan namaa gocha sirrii godhuu hin dandeenye (Cf.Rom. 3:21-31; Gaala.3) Waaqayyo ofuma isaatiin, ilmaan namaa warra kakuu diigan deebisuudhaaf itti gaafatamummaa fudhachuutu irra ture. Inni kana kan raawwate:

a. Ilmaan namootaati karaa hojii Kiristoos hojjeteetiin qajeelummaan mul'isuu (kunis qulqulluummaa isa mul'ate)
b. Karaa hojii Kiristoosiin ilmaan namootaatiif qulqullummaa tola kennuu (kunis qulqullummaa kenname)
c. Hafuura isa nama keessa buufatuu fi qajeelummaatti nama geessu ilmaan namaatiif kennuu (kunis Kiristoosiin fakkaachuu, haareffamuu fakkaattii Waaqayyo)

Haata'u malee, Waaqayyo deebii kakkuu barbaada, Waaqayyo tola kenna, ilmaan namaa garuu

a. Qalbii jijjiirrannaadhaan
b. Amantiidhaan
c. Jireenya ofiitiin abbboomamuudhaan, akkasumas
d. Itti jiraachuu dhaan deebii kennuu qabu, kanas walitti fufiinsaan gochuu qabu.

Kanaafuu qajeelummaan, kakuu irratti kan hundaa'ee fi gochaa gar-lamee kan Waaqayyo fi uumama isaa isa gudicha gidduu jirudha.. Amala Waaqayyo, hojii Kiristoos akkasumas Hafuurichi nama dandeessisuu isaa irratti hundaa'uudhaan namni hundinuu dhuunfaa isaatti walitti fufiinsaan deebii sirrii kennuu qaba. Yaadichi " amantii fiixaan baafachuu" jedhama, yaadichi wangeelota kessati mul'ifameera, garuu jedhoota kanaan miti. Kun baayinaan kan ibsamee phaawuloosiin yommuu ta'uu, Inni jecha Girikii " qajeelummaa" jedhu bifa gaaraagaraatiin yeroo 100 ol fayyadameera.

Phaawuloos, barumsa amantiitiin kan leenji'e waan ta'eef jecha dikaiosuni jedhu, hogbarruu Giriikii irraa utuu hin ta'n jdha SDQ jedhu isa haala Hibruutiin macaafa qulqulluu isa afaan Giriikiitiin barreeffameetiin

fayyadama. Barreeffamoota Giriikii keessatti jeechichi nama wanta waaqnii fi hawaasni irraa eeguuf abboomamuu agarsiisa. Haala Hibruutii immoo yeroo hundaa jechoota kakuuu mul'isaniin wal hidhee jira. YHWH n Waaqa qajeelummaa, kan seeraa fi kan safuuti. Inni namoonni isaa amala isaa akka calaqqisiisan

barbaada. Ilmaan namaa erga fayyina argatanii uumama haaraa ta’uu.Haaraa ta’uun kun immoo akkaaaa jireenyaa haaraa isa Waaqayyon fakkaatuutti nama geessa (xiyyeeffannoo mirkaneeffannoo Kaatoolikii Roomaa). Israa’el seera amantiitiin buliiwaan tarteef safuu uummataa fi fedha waaqayoo gidduu hiramanii if ta’e hin turre. Ibsi kun jedhoota Hibruu fi Giriikii tiin kan bsame yommuu ta’u afaan Ingiligiitti yommuu hiikamuus “ Justice” (haqa) (uummataaf) “ righteousness” (qajeelummaa) immoo (Amantiidhaaf) fayyadama.

Wangeelli yessuus(Misiraachoon) namni inni kufee ture Waaqayyo wajjiin walittidhufeenya isa jalqabaatti deebi’uu isaa dubbata. Kun kan inni raawwatame galaala, Araaraa fi Ayyaana Abbaa; jireenyaa, du’aa, fi du’aa ka’uu ilmaa; akkasumas gara wangeelichaatti nama geessuu Hafuura qulqulluutiini.Fiixaan ba’umsa fayyinaan kennaa Waaqayyo tola kennuudha. Garuu Waaqayyon fakkaachuunis jiraachuu qaba (yaada oogee---- isa yaada jijjiiiramaa, tola kennamuu Wangeelaa calaqqisiisuu fi xiyyeeffannoo kaatoolikii Roomaa jireenya jijjiirame isa kun jaalalaa fi amantii qabaachuu irrattti. Warra jijjiirama hordofaniif jechi “ Qajeelummaa Qaaqayyoo” jedhu hojii nama isa cubbamaa Waaqayyo duratti kan fudhatame gochuu kan mul’isu yommuu ta’u warra kaatolikiitiif immoo adeemsa ittiin caalaatti Waaqayyon fakkaatan kan agarsiisuudha.Qulqullummaa guddachaa adeemu.

Qabatamaatti yommuu ilaalamu garuu yaadni kun lamaanuu fudhatam qaba!!

Akkaataa ilaalcha kootiitti Gutummaan Macaafa qulqulluu uumamaa 4 hanga mul’ata 20 tti adeemsa Waaqayyo walitti dhufeenya isa Eden sana deebisuudhaaf adeeme kan agarsiisuudha. Macaafni qulqulluun walitti dhufeenya Waaqayyo fi nama gidduu jiru haala lafa irratiin ibsuudhaan jalqaba (Cf. uma 1-2) , akkasumas haaluma wal fakkaatuuun xumurama (Cf mul 21-22) Fakkaattiinii fi kaayyoon Waaqayyo deebi’ee haareffamuuf jiraa!

Waantoota armaan olitti ibsaman guduunfuudhaaf, barreeffamoota Kakuu Haaraa keessaa filataman kanneen gare jecha Giriikii mul’isan qalbifadhu.

1. Waaqayyo qajeelaadha. (yeroo baay’ee Waaqayyo Abbaa firdii ta’uu isaatiin wal-qabata)
    1. Rooma 3:26
    2. 2Tasaloniqee 1:5-6
    3. 2 Timootewoos 4:8
2. Yesuus qajeelaadha.
    1. Hojii ergamootaa 3:14; 7:52 ; 22:14 (muudama Masihii)
    2. Maatiwoos 27:19
    3. 1Yohaannis 2:1 29; 3:7
3. Akeekni Waaqayyo uumama isaatiif qabu qajeelummaadha.
    1. Lewwota 19:2
    2. Maatewoos 5:48 (Cf.5:17-20)
4. Karaa waaqayoo ittiin qajelummaa uumuu fi kennuu
    1. Roomee 3:21-31
    2. Roomee 4
    3. Roomee 5:6-11
    4. Galaatiyaa 3:6-14
    5. Waaqayyon kan kenname
        1. Roomee 3:24; 6:23
        2. 1 Qoronxoos 1:30
        3. Efesoon 2:8-9
    6. Amantiidhaan kan fudhatamu
        1. Romee 1:17: 3:22, 26; 4:3, 5, 13; 9:30; 10:4, 6, 10
        2. 2Qoronxoos 5:21
    7. Karaa hojii ilmatiin
        1. Roomee 5:21
        2. 2Qoronxoos 5:21
        3. Filiiphsiyuus 2:6-11
5. Fedhii Waaqayyo warrii isa duukaa bu’an qulqulloota akka ta’anidha.
    1. Maatewoos 5:3-48; 7:24-27
    2. Roomee 2:13; 5:1-5; 6:1-23
    3. 1ximootewoos 6:11
    4. 2ximooteewoos 2:22:3:16

5. 1Yohaannis 3:7
6. 1pheexiroos 2:24
6. Waaqayyo qajeelummaadhaan biyya lafaatti faraduuf jira
   1. Hojii ergamootaa 17:31
   2. 2ximootewoos 4:8

Qajeelummaan amala Waaqayyo isa nama cubbamaadhaaf karaa iristoos kennameedha. Qajeelummaan

a. Abboommii Waaqayyoti
b. Kennaa Waaqayyoti
c. Hojii Kiristoosi

Garuu kan bal'inaan fudhatamuu qabu qajeelummaan akkasumas ademsa ittiin Waaqayyon fakkaachutti guddatan ta'uu isaati kunis guyyaa tokko dhufaatii isaa lamma irratti ifa ba'uuf jira. Walitti dhufeenyi Waaqayyo wajjiin jiru yeroo fayyanitti deebi'e namaaf haara'a garuu du'a booddee yookiin parousia ttifuulaa fuulatt walitti dhufuuf jireenya keessatti walitti fufiinsaan guddachaa itti fufa.

Armaan gaditti waraabbii gaarii tokki dhimma kana gudduunfuudhaaf dhiyaateera. Waraabbiin kun kan inni fudhatame, Galmee jedhootaa phaawuloosii fi xalayoota isaatii, IVP irrtti " kalviin, Luutar caalaa, bia walitti dhufeenyaa Qabaachuu qulqulummaa Waaqayyo irratti xiyyeeffata . Ilaalchi luutar qajeelummaa Waaqayyo irratti qabu bifa cubbuu namaa namaaf dhiisuu waan of keessaa qabu fakkaata. Kalviin garummaa walitti dhufeenychaa yookiin qajeelummaan Waaqayyo nuuf ennamuu isaa irratti xiyyeeffata.(fuula 8:34).

Akkakootti walitti dhufeenyii Waaqayyo fi nama gidduu jiru bifa sadii qaba.

1. Wangelichi nama (xiyyeffanno waldaa ishaa bahaa fi kalviin)
2. Wangeelichi dhugaadha(Xiyyeeffannoo Oogastiinii fi Luutar)
3. Wangeelichii jireenya jijjiiramedha (xiyyeeffannoo kaatoolikii)

Kaneen kun hundumtuu dhugaadha, jireenyaa kiristiyaanummaa fyya qabeessa, cimaa fi macaafa qulqulluu irratti hundaa'eefis wal-duukaa ilaalamuu qabu/ Tokko illee yoo keessaa akka malee ol kaafam yookiin gadi buufame, rakkoowwantuu uumamaa.

Nu'i Yesuusiin simachuu qabna!
Nuyi wangeelicha amanuu qabna!
Nuyi Kiristoosiin fakkaachuu duukaa bu'uu qabna!

⊡ **"Ni dibde" "**dibamu" (msh) kan jedhuu jechi Ibirootaa sagalee kakuu moofaa yeroo ta'u Masihiidhaaf (masiah). Raajoonni kakuu moofaa, lubootaa, fi mootota dibata ejersaatiin dibamu, Waaqayyo akka isaan filatee fakkeennoon, gocha murtaa'een akka itti laatan. Akka haala barreefama kanaatti inni immoo kan inni argisiisu dibata ejersaa bifa fayyadama aadaatiin, yeroo gammachuu fi ayyaanaati/ Isa. 53:11/ .

## MATA DUREE ADDAA: DIBAMUUN KITAABA QULQULLUU KEESSATTI

A. Barreechuudhaaf faayiidaa irra oola (Kes. 28:40, Rut. 3:3, 2Sam. 12:20, 14:2, 2Sen. 28:1-5, Dan. 10:3, Amo. 6:6, Mik. 6:15)
B. Keessumootaaf faayiida irra oola (Faru. 23:5, Luq. 7:38, 46, Yoh. 11:2)
C. Fayyinaaf faayiidaa irra oola (Isa. 6:1, Erm. 51:8, Mar. 6:13, Luq. 10:34, Yaq. 14) [bifa qulqullinaatiin faayidaa irra oola His. 16:9)
D. Seera hawaalchaatiif faayidaa irra oola (Um. 50:2, 2Sen.16:14, Mar. 16:1,Yoh. 12:3, 7 19:39-40)
E. Bifa amantaatiif faayidaa irra oola (waan tokkoof, Um. 28:18, 20, 31:13 [utubaa], Bau. 39:26 [iddoo haarsaa] Bau. 30:36, 40:9-16, Lew. 8:10-13, Lak. 7:1 [mana qulqullummaa])
F. Geggeesitoota muuduudhaaf faayidaa irra oola:
   1. Luboota
      a. Aroon (Bau. 28:41, 29:7, 30:30)
      b. Ijoollee Aaroon (Bau. 40:15, Lew. 7:36)
      c. Gaalee dhaabbataa yookaan waamama maqaa (Lak. 3:3, Lew. 16:32)
   2. Mootota
      a. Waaqayyoodhaan (1Sam. 2:10, 2Sam. 12:7, 2Mot.9:3, 6:12, Faru. 45:7, 89:20)

   b. Raajootaan (1Sam. 9:16, 10:1, 15:1, 17, 16:3, 12-13, 1Mot. 1:45, 19:15-16)
   c. Lubootaan (1Mot. 1:34, 39, 2Mot. 11:12)
   d. Jaarsoliidhaan (Abo. 9:8, 15, 2Sam. 2:7, 5:3, 2Mot. 23:30)
   e. Yesuusiif akka mootiiMasihiitti (Faru. 2:2, Luq.4:18 [Isa. 61:1] HoE. 4:27 , 10:38, Ibr. 1:9 [Faru. 45:7])
   f. Duuka buutu Yesuusiif (2Qor.1:21, 1Yoh. 2:20, 27, [chrisma])
3. Raajoota ta'a (Isa. 61:1)
4. Meeshaawwan fayyissuu hafuuraa hin amanne
   a. Qophiros (Isa. 45:1)
   b. Mootii Xiiros (Hisq. 28:14, innis fakkiduu warra Eedom kan fayyadamu)
5. Sagalee yookiin maqaa "Masihi" jechuun "kan dibame" dha (BDB603)

⊡ **"Obboloota kee caalaa"** kun itti fufeenya kan qabu Septuwajeentii dha Faru. 45:6-7 irraa kan eeramee dha. Tokkoon tokkoon tarreefamni faarfannichaa Yesus wajjin gara mirkaneeffannaa barumsa hafuuraatiin kan wal qabate dhiibbamuun irra hin jiraatu. Gaaliichi wajjin deemuu kan danda'u guddummaa Yesuusiif (1)Ergamaadhaan, (2)mootota Israa'eeliin, (3)bittoota biyya lafaatiin, yookaan (4)ilma namaa fayye irratti.

**1:10 "Yaa gooftaa"** kan Septuwajentii Faru. 102:25 hiika qofa "gooftaa" kan jedhu kan itti dabalu, innis Yaahiwwee kan argisiisu, ta'us garuu akka yaada barreefama kanaatti kan eeruu Yesuusin. Kunis kan biraan sababa akka yaada barreefama kanaatiin, lak. 9 immoo Yesusiin akka "Waaqa" kan eeru.

⊡ **"Ati dur biyya lafaa hundeessite, samiinis hoji harka keetiti"** kun 1:2 kan eeruu dha, Yesuusiif, uumama irratti bakka bu'aa abbaa ta'uudhaan. Mata-duree addaa: *Archê* 3:14 irratti ilaali.

Seerri uumamaa 1 kan inni mirkaneessuu uumama Elohim sagalee haasaatiin yeroo ta'u, (1:3, 6, 9, 14, 20, 24, 26), Um. Boqonnaa 2 immoo kan inni mirkaneessuu kalattiidhaan qaamaan hirmaachuu Yaahieewwti, "harka isaatiin" kan jedhu tokkummaa kan qabu, Addaamii fi Heewwaniin biyyoo lafaatti kan tolche (2:7, 8, 19,22). (Faru. 102:25) kan eerame uumama hundumaa fi fakkiidu qaamaa ta'uudhaan itti fufa.

**1:11 "Isaanis hin badu ati garuu jabaatee jiraatta, hundumtuu akka uffataatti duloomu"** kunis dabalataan kan inni argisiisu bara barummaa ilmaati. Raajoonni kakuu moofaa irra deddeebi'anii taatee mana murtii fayyadamu, kan Yaahiwwee finciltuu haadha manaa isaan, Israa'elitti gammaduu dhiisuu isaa ibsuudhaaf innis "ishee"/Israa'ee/ hiikuudhaaf gara mana murtiitti ni fudhata, akkasumas barbaachisoo kan ta'an ragaa lama waama /Kes. 19:15/ lamannuu barbachissoo dhuga-baatoota dhaabbatoo, "samiidhaa fi ardii" – dhuga-baatii isaa jabeessuuf. Isaan dhuga-baatoota dhaabbatoo barbaachisoo lamaan kun illee ni darbu. Luqisiin kun kan inni argisiisu taate harkifataa lama: (1)gochamni jalqabaa (apollumi) hiika badiisaa jabaa qaba /2Phex. 3:10/ fi (2)gaalee lammaffaan kan inni argisiisu duloomaa deemuu isaaniitii fi darbuu isaaniiti akka uffataati.

Kunis wal bira qabuu kan biraadha, seerri uumamaa osoo hin tasgabaa'iin/ergamaa/ uumama/ dhiibbaadhaan teessoo Waaqayyoo fi dhaabbataa ta'uu ilma isaati jabina!

**1:12 "Ati garuu sanuma"** kun Septuwajenti irraa Faru 102:27 kan eerameedha. Yaad-rimeen wal fakkaataan kun /jijjiramuu dhiisuu/ 13:8 irratti faayidaa irra ooleera, Yesuus akka hin jijjiramne ibsuudhaaf. Ergamoonni ni jijjiramu samii fi ardiin ni jijjirama, Yesus hin jijjiramu, abdiin ilma namaa (Mil. 3:6, Yaq. 1:17).

⊡ **"Baroonni kees raawwatanii hin dhuman"** duraan dursee gaaleen ture dhaabbataa ta'u amala Yesus akka argisiisu inni kun immoo dhaabbataa ta'u qaama isaati argisiisa.

**1:13 "Mirga koo taa'i"** luqisiin kun Saptuwajenti irraa Faru. 110:1 dha. innis ajaa'ibsiisaa faarfannaa Masihichaati, Ibiroota irratti irra deddeebi'ee kan waabefatuuf kan eeruu dha (1:3, 13, 5:6, 10, 6:20, 7:3, 11, 17, 21, 8:1, 10:12-13, 12:2). Innis kan mooti (lak. 1-3) fi lubummaa isaa (lak. 4-7) kallattii Masihummaa isaa walin maka (muka ejersaa lammanuu Zak. 4 irratti akka godhan). Lammanuu "Gooftaa" kan akkasi hubadhu, inni duraa Yaahiwweedha, inni lammaffaa Adon (gooftaa). Gooftaa Daawit/Masihii /Yaahiwwedhaan/gooftaa/ teessoo irra taa'aa, bakka aboo fi humnaa irra. Kun ergamootaaf raawwatee raawwatee raawwatee hin ta'u!

**1:14 "Humdumtuu fayyina akka dhaalaniif dhaaluuf akka jiran gargaaruudhaaf kan ergaman kan tajaajilanis hafuura mitii?"** ergamoonni kan jiraatan Waaqayyoof ilma namaa tajaajiluudhaaf. Kan fayye ilma namaa ergamaa irra kan ol jedhe sadarkaa uumama hafuuraa qaba. Amantootni ergamootatti ni murteessu (1Qor. 6:3). Yesus ergamoota fayyisuudhaaf hin dune (2:14-16).

## MATA DURE-ADDAA: FAYYINAAF FAAYIDAA IRRA KAN OOLAN KAN GIRIKII KAN YEROO GOCHAMA

Fayyinni bu'aa miti, walitti dhufeenya male. Inni hin xumuramu, tokko Kristoositti yeroo amannu, jalqabu isaa qofa! Inni kan wabi ittisa balaa abiddaa miti, yookaan gara mootummaa Waaqayyooti tikeeti seensa, garuu Kristoosiin fakkaachuudhaan jireenya guddachuuti male.

**FAYYINNI AKKA GOCHAMA XUMURAME MITI /GOCHA/**

- HoE. 15:11
- Roome. 8:24
- 2Ximotihoos 1:9
- Tiito 3:5
- Roome 13:11/kan gochaa fi kallatti gara fuulduraa walitti maka/

**FAYYINNI AKKA EJJENNOO LEE'IITI /KAN XUMURAME/**

- Efeson 2:5, 8

**FAYYINNI AKKA ADEEMSA ITTI FUFUUTI/Kan ammaa/**

- 1Qor. 1:18, 15:2
- 2Qor. 2:15

**FAYYINNI KAN AKKA GARA FUULA DURAATTI GONFATAMU /kan gara fuula duraa kan yeroo gochamaa yookaan kan akka yaada barreefamichaatti/**

- Roome 5:9, 10, 10:9, 13 (Mat. 10:22, 24:13, Mark. 13:13 irratti kan argamu)
- 1Qor. 3:15, 5:5,
- Fil. 1:28, 1Tes. 5:8-9
- Ibiroota 1:14, 9:28
- 1Phex. 1:5, 9

Kanaaf, fayyinni ka'umsuma irraa murtoo amantiitiin jalqaba (Yoha. 1:12, 3:16, Rom. 10:9-13), ta'us kun akkaatee jireenya amanti <u>dirqamatti</u> burqisiisuu qaba (Rom. 8:29, Gal. 4:19, Efe. 1:4, 12:10), innis guyyaa tokko ilaalchaan gonfachuu (1Yoh. 3:2). Kun sadarkaa dhumaatti kabaju jedhama, kunis kan ilaalamu akka

1. Ka'umsa fayyinaa – tolaa ta'u /adaba cubbuu irraa fayyuu/
2. Fayyina itti fufee jiru – qulqullaa'u /humna cubbuu irraa fayyuu/
3. Isa dhumaa fayyuu – ulfaachuu /cubbuutti jiraachu irraa /

**GAAFFILEE MAREE**

Qajelfamni qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta'u, sana jechuunis garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaatti hiikuun itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. tokkoon tokkoon keenya ifa nu kennameen adeemuutu nurra jiraata. Hiktoonni jalqabaa si, kitaaba qulqulluu fi hafuura qulqulluu dha. kanas deebiftee kan hiike irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Gaaffileen mare kun kan kennamana kutaa kitaaba kanaa dhimoota gurguddaa akka ta'utti akka qayyaabatu akka si gargaaruuf. Kana jechuunis akka ta'utti akka xinxaltu si kakaasuuf malee kana qofaan akka daangooftu miti.

1. Lakkoofsi 1 kan inni mirkaneessuu maaliidhaa?
2. Uumamaa fi ibsa addaa gidduu garagarummaan jiru maaliidhaa?
3. Qaama Yesusi fi hojii, lak. 2-3 irratti kan jiran kallatti torbanuu tarreessi.
4. Kan akka kanaa ibsa Yesus dhageeffatootaaf maaliif baay'ee faayida qabeessa ta'e?
5. Ergamoonni tajaajila Yesus wajjin akkamitti deemu?

# IBIROOTA 2
# HIIKAWWAM HAARAAWA RAMADDIWWAN KEEYATAA

| UBS4 | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Ayyina gudda | Fayyina cal hin jedhin 2:1-4 | Of eegachiisa kufaati | Fayyina guddaa | Kakaasu |
| 2:1-4 | Ilmi Ergamoota gad taasifame 2:5-9 | 2:1-4 | 2:1-4 | 2:1-4 |
| Xumuraa Fayyinaa | Ijoolee baay'ee gara ulfinaatti fide 2:10-18 | Gadeebi'uu Ilmaa fi kabajamuu isaa | Gara fayyinaatti kan nu geggeesse isa tokkicha | Furamuun kan dhufe Kiristoosiidhaan ergamootaan miti |
| 2:5-9 | | 2:5-9 | 2:5-10 | 2:5-8a |
| | | | | 2:8b-9 |
| 2:10-18 | | 2:10-13 | | 2:10-13 |
| | | | 2:11-13 | |
| | | 2:14-18 | 2:14-18 | 2:14-18 |

**MARSAA DUBBIFAMAA SADAFFAA (fuula vii ilaali kutaa seensaa irratti)**
YAADA BARREESSAA JALQABAA SADARKAA KEEYATAATIIN HORDOFUU

Qajeelmani qayyabannaa hiika yeroo ta'u, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu ofii keeti yeroo hiiktu itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kenameen deddeebi'uutu nurra jira. Hiiktooni jalqabaa si, kitaaba qulqulluu fi hafuura qulqulluudha. Kanaas deebifte kan hiike irratti jechama kan biraan akka hin fudhanne.

Boqonnicha of irra gadi taa'uu tokkoon dubbissi. Yaada-ijoowwan irratti. Yaada-ijoo kee ramaddiiwwan gara olitti tarreefaman hiika shanan wajjin wal bira qabi. Ibsi guutuun keeyaticha irratti argamuu yoo baatees hiiki yaada barreessicha jalqabaa ta'e inni guddaan irratti ni argama. Tokkoon tokkoon keeyataa yaada ijoo tokkoo fi tokko qofa qabateera.

1. Keeyata tokkoffaa
2. Keeyata lammaffaa
3. Keeyata sadaffaa
4. K.K.f…

**QABIYYEE AKKA YAADA BARREEFAMICHAATI**

A. Boqonnaa tokkoo fi lama ramaddii barreefamaati. Innis guddummaa Yesuus itti fufa, Mul'ata kakuu moofaa irratti (1:1-3) fi guddummaa Yesus ergamoota irratti (1:4-2:18).
B. Kan boqonnaa lamaa mirkaneefannaan haaraan Yesus saba isaa wajjin walitti dhufeenya inni qabuu dha (2:10-18). Yesus dhugumatti isaani wajjin mul'ateera, isaanis bu'aa isaatiin ulfina isaa ni qoodatu. Kakuun guddummaa isaa kaayyoo nama kufee deebisuuti (2:9-11, 14-18). Gara bakka kanaatti ulfinaan gara itti ergameetti (Faru. 8). Yesus nama, raawwatee fakkeenya keenya.
C. Boqonnaan lama tartiiba kan qabu dursa of eegachiisaati (2:1-4, 3:7-4:11, 5:11-6:12, 10:19-39, 12:14-29). Kun of eegachiisa dursaati kan inni argisiisuus mul'achuu kakuu haaraati (wangeela)calluma kan jedhaniidha kunis eeruu kan danda'uu duubeessa saba Yihudootaati, kakuu Museetiif ulfina gadi fagoo kan qabu, akkasuams wal bira qabu kan barbaachisu.

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

**BARREEFAMA 2:1-4**
**1Kanaafis nuyi karaa irraa akka hin goreef, dubbi isa dhageenye kana caalchiifne yaadan duukaa bu'uun ni barbaachiisa. 2Dubbin ergamoota Waaqayyootiin dubbatame fudhatamaa ta'e, namni isa irra daddarbe yookiis namni isaaf dhaga'u dide hundinuuf adaba isaaf ta'u ni argate. 3Yoos immoo nuyi fayyina guddaa akkasi isa gooftaan ofi isaati jalqabatti dubate tufannee**

**akkamitti isa jalaa baanaree? Wari isa dhaga'aan immoo dubbi kanaan of cimsaniiru. 4Kana irrattis Waaqayyo ofi isaati milikitaa fi wanta dinqisiisaa karaa gara garaas hoji aangoo hojjechuudhaan akka jaalala isaatti kennaa hafuuraa qulqulluu hiruudhaan, duukaa bu'ee dhugaa ta'u isaa mul'iseera.**

**2:1 "Sababa kanaatiif"** kun kan argisiisu boqonnaa tokko irratti dhugaa jiruu dha.

⊡ **"Nuyi dirqamatti"** sagaleen kun "dei," dha, hiiki isaas barbaachisummaa safuuti. Kun kan dursuudha (jechuun lak. 1-4) of eegachiisa heedduu irraa, kitaaba Ibirootaatiin, gara michuu amantoota Yihudootaatti kan ergame, sichi kan amanan Yihudoota wajjin godoo wal ga'iitti kan waaqefatan. Warri tokko tokkoo of eegachiisa kitaabichaa kan isaan argisiisan amantoota irratti, ifatti akka cuuphamanii fi gara waldaa kristaanaatti akka makaman akkasumas gara guutummaa bilchinaatti akka ga'an, gara ergama wangeelaa addunyaaleessaa (Mat. 28:19-20, Luq. 24:47, HoE. 1:8). Of eegachiifni kan biroon kan isaan argisiisan kallaattiidhaan gara Yihudoota hin amaninitti, wangeela kan dhaga'aanii fi humna isaa kan argan, Yihudoota amanan hiriyoota isaaniitiif jireenya hidhata hojii isaanii keessatti, haa ta'u malee dhuunfaa isaanitti Yesusiin akka Masihii abdiitti fudhachuudhaaf kan jiranii fi aadaa barsiisaa isaanii irraa gara kan hin gale (boqonnaa 6 fi 10).

⊡

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"xiyyaafannoo addaa akka itti laatan"** |
| **NKJV** | **"xiyyaafannoo onnee irraa akka itti laattan"** |
| **NRSV** | **"xiyyaafannoo guddaa akka itti laattan"** |
| **TEV** | **"hundumaatti cimtani akka qabatan"** |
| **NJB** | **"laphee keenya gara sabiriitti akka naanneesinu"** |

Kun dorgomsiisaa Girikii isa cimaa kan hin murteessine yeroo ta'uu hiiki isaas adda, xiyyaafannoo raawwataa ta'e kunuunsa waan tokkoof yookaan nama kennuudha (HoE. 8:6, 10, 16:14). Kan ilmaa kakuu haaraa (wangeela) lammanuu kan kabajamuu fi balaa kan qabuu dha! dhugaan Waaqayyoo akka ta'utti qabatamuutu irra jiraata.

⊡ **"Isa irraa hin fagaatinaa"** sagaleen kun kakuu haaraatti as qofatti faayidaa irra kan oole. Innis hiika akkuma jiruutti "cinaan dhangalaasuu" yookaan "mucucaachuu" dha. innis fakkiiduudhaan kan qilleensaa yookaan sochii bishaaniiti, isa tokkoo yeroo fudhatuu fi bakka gaarii yeroo barbaaduu dha.

Of eegachiisi kun kan inni ta'e kan gocha hojii irra oolee haalaa kan ibsuu ramaddii tokkooffaan kan baayinaati. Wanti yaadamu jira, kan hin beekamne humni alaa (gochama hoji irra oolee) fi bifa haala ibsuun. Gara cinaatti jechuun yookaan dhugaa irraa fagaachuun qabatamaatti waan ta'uu dha. Akkasumas immoo ta'uu kan qabu fakkiiduun isaa kan ilaalatu dhageefatootaaf, sichi kan hafan, dhugaan osoo adeemaa jiru. Kunis tarii fakkeenya 3:21 kan eeru ta'a septuwajentii irratti gochamni wal fakkaataan faayidaa irra kan oole.

Of eegachiisa kanaa argisiisuudhaaf karaan sadii jira.

1. Wangeelaaf deebii kennuudhaaf tole kan hin jenne argisiisuuf (lak. 3)
2. Amanani kan turan argisiisuuf ("wanta dhageenye irraa baay'ee of eegachuutu nurra jiraata" lak. 1), garuu hin bilchaanne
3. Amananii kan turaanii fi hoji isaanii isa guddaa/ amantaa Kristoositti qaban dhugaa ba'uu qabachuu dhiisuu balaa irra kan jiran argisiisuu dha.

Inni jalqabaa kan argisiisuu Yihudoota hin amanin, lammaffaa fi sadaffaan Yihuudi amanaa argisiisuuf. Ramaddii tokkooffaan kan faayidaa baay'ee kan argisiisu barreessichi mataa isaa ergichi kan ergamee fi wajjin wal makuu isaatii fi isaanis amantoota ta'uu isaaniitiin, yoo xiqqaate illee godoo

walga'iitti wangeela qoodachuu isaanii argisiisuuf (lak. 3). Ta'uis, seer-lugi wal fakkaataan kun kan barreefama baay'eeti kan dhi'aate kan akkuma jiruutti osoo hin taane, 10:21 fayyadamuudhaan.

**2:2"Akka"** ramaddiin tokkooffaan kun hima haalaati, innis yaada barreessichaa yookaan haala kaayyoo barreefamichaa dhugaadha jedhamee kan yaadamu. Innis yeroo baay'ee ingillifatti yeroo hiikamu "akka" yookaan "yoo ta'e" dha.

▣ **"Ergamaadhaan sagaleen dubbatame"** kun seera Musee argisiisa. Yihudoonni kan amanan ergamaan Yaahiwweedhaa fi Musee gidduu gaaraa Siinaa irratti akka ture (Bau. 3:2, 14:19, 23:20-23, 32:34, 33:2, Faru. 68:17, HoE. 7, 38, 53, Gal. 3:19).

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"akka hin jijjiramne kan mirkanaa'ee"** |
| **NKJV** | **"ciminaan kan mirkaanaa'ee"** |
| **NRSV** | **"kan mirkanaa'ee"** |
| **TEV** | **"dhugaan isaa kan mul'ate"** |
| **NJB** | **"dhugaan isaa kan mirkanaa'ee"** |

Waaqayyoo sagalee isaatti amanamaadha, eebbaa fi/yookaan abaarsaan (kes. 27-28).

## Mataduree Addaa: Mirkanaa'aa

Jechii Girikii kun *bebaios*, yeroo ta'uu innis yaada hiika sadii qaba.

1. Innis sirritti, dhugaa yookaan amanuu kan dandeessuu dha (Roomee 4:16, II Qorontos 1:7, Ibiroota 2:20, 3:6, 14, 6:19, 2 Pheexiros 1:10, 19).
2. Amanamummaan waan tokkoo kan ittin argamuu yookaan adeemsi ittiin hundaa'uu (Roomee 15:8, Ibiroota 2:2, Loowuu fi Niidaa kan Girikii afaan Ingilli hundee jechaa Kakuu Haarakeeya tokkoo 340, 377, 670). Louw and Nida, *Greek-English Lexicon of the New Testament*, Vol. 1, pp. 340,377,670).
3. Jaarraan tokko waraqaan Kooyinii, Gibxitti kan argamee jecha ogummaa seeraaf waabdii dha. (Moltoonii fi Miligaan kan Girikii Kakuu Haaragalmee jechootaa fuula 107-108) Moulton and Milligan, *The Vocabulary of the Greek New Testament*, pp. 107-8). Inni kun faallaa lakkoofsa 14 ta'uu danda'a, abdiin Waaqayyoo sirrii dha.

▣ **"Irra daddarbaa fi aboomamu dhabuu hundumaa gatii tolaa erga fudhatee"** kakuun Musee kan inni irratti hundaa'ee aboomamuu irratti ture! Fedhiidhaan aboomamuun ifaa fi bu'a yerooma sanatti qaba (10:28).

Jechoonni lamaan kun kan isaan irratti hundaa'aan walinga wal fakkaataa kana irratti, parabasis fi *parako*e, inni tari sagalee ta'I jedhe godhamee dha (sagaleE) galumsa ta'a.

**2:3 "Akkamitti jalaa baana"** kitaabni Ibirootaa of-eegachiisa cimaa heedduu qaba, waa'ee dhugaa Waaqayyootti dhibaa'uu (2:1-4, 3:7-4:11, 5:11-6:12, 10:19-39, 12:14-29).

▣ **"Fayyina guddaa kana yoo dhiboofnee"** "callisu" jechi jedhuu (*amele*o) hiiki isaa "xiyyaafannoo itti kennuu dhiisuu dha" yookaan "dhimma dhabu" dha, waa'ee waan tokkoo yookaan waa'ee nama tokkoo. Inni kakuu moofaatti faayiidaa irrra kan oolee (1)Of eegachiisa Ximotihosiif kenname, kennaa hafuuraa isaa akka hin califneef (1Xim. 4:14) fi (2) Yaahiwween xiyyaafannoo inni Israa'eeliif qabu hir'achuu isaakan mirkaneessee, kakuu isaa fudhachuu diduu isaaniitiif (Ibr. 8:8).

Falmiin kunnis tuqaa isa guddaa dha jechuun kakuu Musee kan dhiiba'an bu'aa amma kana qabu erga ta'e, egaa isa haaraadhaa fi isa wayyu kakuu karaa Yesuus (ilmaan) kan dhufee dhibaa'uun bu'aa hamaa guddaa qabaata. Ta'i jedhee ergaa isaatti dhibaa'uun rakkinni inni wajjin wal qabatu ergicha kan erge ulfina isaa wajjin wal qabata (jechuun, cidha mootichaa Fakkeenya, Mat. 22:2-14).

Egaa hiikichi gaaffii kan inni ta'uu ("kun kan inni argisiisuu (1)kakuu haaraa (wangeela) fudhachuu dhiisuu dhaa yookaan kakuu haaraatti dhibaa'uu dhaa?" kan ammayyaa akkaataan fayyadama sagalee isaa kan

inni argisiisu #2 dha. ibsitootni tokko tokkoo "nuyi" fayyadama akkas jedhu itti dabalu barreessadhaaf ragaa akka ta'uuti, michoota amantootaa ta'uu isaa mirkaneessuuf, haa ta'u malee 10:26 irratti barreessichi bakka maqaa wal fakkaataa kana (ramaddii tokkooffaa kan baayee) fayyadameera, michoota hin amannee eeruudhaaf. Dhageefatootni kun warra wangeela hin fudhanne miti, ta'us garuu dhiibbaa isaa jireenya isaanii keessatti ni xiqeessu.

▣ **"Kun Gooftaadhaan jalqaba kan dubbatame ture"** Yesus Yaahiwweedhaan maqaa kakuu moofaatiin waamameera "kan jiruu fi kan jiraatu" (Bau. 3:14, inni booda irratti "gooftaa" [Adoon] jedhamee kan dubbifame). 2:7 irratti kan jiru mataduree addaa ilaali. Kun karaa isa tokkooffa dha, barreessitootni kakuu haaraa gooftummaa Yesus nama Naazireeti karaa isaan ittiin argisiisan. Yaahiwwee mataan isaa dhuga-baatii laataaf, ergaan Yesus dhugaa ta'u isaa (lakk. 4). Mata –dure addaa, Arche 3:14 irratti ilaali.

▣ **"Kan dhaga'aaniin"** lammanuu, Jon Kalviini fi Maartiin Luteer gaalee kana kan isaan jedhan kan inni argisiisuu kan dhaloota lammaffaa kiristaana. Kunis ifatti Phaawuloosiin ta'u hin danda'u (Gal. 1:11). Phaawulosi barreessaa warra Ibirootaa hin ture. 13:23 irratti yaadannoo jiru ilaali.

**2:4 "Waaqayyos inni mataan isaa akka hiyyame mallattoodhaa fi wanta dinqiidhaan wantoota ajaa'ibsiisaa adda addaatiin wajjin dhugaa ba'eef."** Milikitaa fi dinqiin lammanuuf kan yaadamanii dha, amantoota jajjabeessuudhaaf warra hin amananin dhugaa akka fudhataniif gargaaruuf (HoE. 2:22). Waaqayyo akka itti fufeetti (keeyata gocha ammaa) dhugaa wangeelaatiif ragaa ba'uudhaaf. Kan jabaatee kan isa hamaatii fi mallattoon hafuuraa Yesuusiin naannoo dhufaati isaa jalqabaa irratti ture, naannoo deebi'ee dhufuu isaa irratti akkuma ta'e.

▣ **"Kennaa hafuura qulqulluutinis"** tokkoon tokkoon amanaa yoo xiqqaate kennaa hafuuraa tokkoo hafuuraan kennamaaf, yeroo jijjiramuutti (1Qor. 12:7, 11, 18 , Efe. 4:11, 12). Amantootni kuni kennamuun hafuuraa ragaa ammayyaa tokko, dhugaa wangeelaatiif, isas dhageefatootni ergichaa kan ganan yookaan kan hin fudhanne!

▣ **"Akka fedhii isaati"** hafuurri filatee kennaas qoqooda (1Qor. 12:7, 11, 18). Amantootni kan isaan kennan humna nama dhuunfaatiin yookaan filannoo matayummaatiin miti! Kennaan hafuuraa kennaa uumamaa wajjin yoo wal qabatee, inni ni jabaata, akkasumas ulfina Kiristoosiif akka ta'u godha, Kristaana dhuunfaa tokkoof osoo hin taane. Kennaan hundumtuu qaama isaa tajaajilu. Tokkoon tokkoon amanaa kan jiraatu fayyummaa guddina qaama Kristoosiif!

## IBROOTA:2:5-9

**5Waaqayyo biyya lafaa isa dhufuuf jiru, isa nuyi waa'ee isaa dubbanu harka ergamoota jala hin galchine. 6Inni caafata qulqulla'aa keessaa iddoo tokkootti dhugaa ba'e "Yaa Waaqayyoo, namni maaliif, akka isa yaadatuuf? Yookiis ilmi namaa maalii, akka isaa dhimituuf? 7Yeroo gabaabaadhaaf ergamootaa gadi isa gootee, gonfoo ulfinaa fi guddinaa mataa isaa irra keesse; 8Wanta hundumaa miila isaa jala galchite" in jedha. Waaqayyo wanta hundumaa harka isaa jala yemmuu galchee, waan tokko illee isa jala utuu hin galchin hin anbifne; garuu amma illee wanti hundinuu harka isaa jala galuu isaa hin arginne. 9Ha ta'u iyyuu malee, isa yeroo gabaabaadhaaf ergamootaa gad ta'ee, dhiphatee du'uu isaatiin, nama gonfoo gudinaa fi ul;finaa mataa isaa irra ka'aate, Yesusin inni in argina; kunnis ayyaana Waaqayyootiin inni nama hundumaaf du'a mi'eefatee akka ilaaluuf ta'e.**

**2:5 "Addunyaa dhufu ergamaa bichisiisuuf mitihoo"** ergamoonni amma hafuuraan bakka guddaa qabaachuun isaani dhugaa dha (Kes. 32:8 Septuwajentii fi kitaaba Dani'eel boqoonnaa 10). Ta'us, Addunyaa dhufuu, kan dhala namaa ta'a, foon kan uffate, ulfina qabeessa kan ta'e kara fayyisaa isaaniitiin innis bakka aboo irra kan ta'e. Kunnis wal dorgomsiisuu biraa dha guddina Yesusii fi duuka buutota isaa ergamoota irratti, kakuu Musee irratti akka galfaman kan mul'atan (1:4-14).

**2:6 "Inni tokko bakka tokkotti dhugaa ba'a"** kun ciigoo Ibirootaati, kan guutee fi kakuu moofaan yaada hafuuraan kan liqifaman ta'u isaa, yaadannoo haalaa osoo hin taane, luqisiwwan kun kan isaan irratti argaman (4:4). Achittis tartiiba luqisii kakuu moofaatu argma Ibirootaan kan barataman.

▣ **"Akka isa yaadattuuf namni maalii"** Saptuwaejentiin kun Faru. 8:4-6 kan eereedha, haala barumsa hafuuraatiin Uma. 1:26, 28 irratti kan hundaa'e. lakkoofsi 6, 7 fi 8 Masihii hin argisiisan ("ilma namaa"), ta'us garuu namummaadhaaf. Faru. "muca namaa", jechi jedhuu "nama" kan jedhu wajjin wal cina walitti dhufeenya qaba akkasuamas qubee guddaadhaan hin barreefamu. Innis ciigoo Ibirootaatiin namummaadha, ben adam, Hisqeel irratti kan baratame (2:1, 3:1, 3, 4, 10:17 k.k.f).

**2:7 "Ergamoota irra xiqqoo isa xiqqeessite"** kun luqisi itti fufee dha, Faru. 8:5-6 Saptuwajenti irraa. Lammanuu fi hiika isaatii fi gaaffiin ta'u "Elihoom" kan jedhu jechi Ibirootaa akkamitti akka hubannuudha?

1. Septuwajenti Faru. 8:5 akka "ergamaatti" hiika, akka hiika warra Haramawiitti, Peshita, Vilgeeti, fi hiika KJV irratti akka godhame.
2. Maxansaa Yihudootaa hawaasi ameerikaa isa kan inni hiikuu akka "waaqummaa irraa xiqqoo isa xiqqeesite" kan jedhuu dha. Hiiki ingilliffaa heedduun "Waaqayyo" jedha (ASV, NASB, RSV, NEB, NRSV, REB, JB. NJB, TEV). Sagalichi kakuu moofaatti gochama qqenteedhaan faayidaa irra yeroo oolu, akka Uma. 1:1 Waaqayyoon argisiisa. Yesus isa bifa kanaan itti fayyadameera Yoha. 10:31-39 irratti. Innis immoo "waaqa tolfamaadhaaf" faayidaa irra ooleera, saba waaqa tolfamaa waaqessaniif. Innis ergamoota argisiisuu danda'a, akka mana mare Waaqayyootti, isaa fi ergamoota tajaajiloota isaa kan ta'e (1Mot. 22:19, Dan. 7:10).
3. Akkasumas immoo abbaa murtii Israa'eelootaa kan eeru yaada qaba (Bau. 21:6, 22:8-9:28, Faru. 82:1, 6).

Akka yaada barreefama kanaatti tuqaan barnoota hafuuraa kan ta'u Yesusi fi duuka buutoti isaa (Bau. 1:14) ergamoota irra caaluu isaaniti.

Kan Girikii garagarummaan barrefama harkaa jira dhuma lakkoofsa 7 irratti. Barreefamni harkaa Girikii duri tokko tokkoo ( ℵ, A, C, D*, P) eeruu isaanii itti fufu Fru 8:7 irraa, ta'us garuu kan biroon "Atis ulfinaa fi aboo gonfachiifte" kan jedhu irratti dhaabu (p46, B, $D^c$, K, L). Kan akka kanaa garagarummaa heedduun, barreefamicha hiikuudhaaf garagrummaa tokko iyyuu hin fidu.

## MATA DUREE ADDAA: WAAQUMMAAF MAQOOTA KENNAMAN

A El (BDB 42, KB 48)
   a. Hiikni jecha gamtaa Waaqummaa durii wanta mirkanaa'ee miti, hammamiyyuu barattoonni danuun hiddi Akkadian 'cimaa" ykn "humna qabeessa" jedhanii amananillee (cf. Uma. 17:1; Lak. 23:19; Kes. 7:21; Far. 50:1)
   b. Waaqni ol'aanaan Gartuuwwan namoota beekamoo Kana'aan (kitaaba Ras Shamra)
   c. Macaafa Quqlulluu keessatti El jechoota biroo wajjin yeroo hunda walitti hin makamani. Walitti makamuuwwan kunniin Waaqayyoon tahiyyeessuuf karaa ni ta'e.
      1) El – Elyon (Waaqayyo Hundaa olii, BDB 42 fi 751 II), Uma. 14:18-22; Kes. 32:8; Isa. 14:14)
      2) El-Roi ("Waaqayyo isa ilaalu" ykn "Isa ofii Isaa mul'isuu" BDB fi 909), Uma. 16:13
      3) El-Shadaai ("Waaqayyo Gaaraa" BDB 42 fi 994), Uma. 17;1; 35:11; 43:14; 49:25; Ba'u 6:3)
      4) El-Olam (Waaqayyoo Bara Baraa BDB 42 fi 761) Uma. 21:33. Jechichi Kakuu Waaqayyoo Daawitiif gale wajjin karaa ti'oolojiitiin kan walitti hidhameedha, 2Sam. 7:1,16
      5) El-Berit ("Waaqayyoo Kakuu" BDB 42 fi 136, Abo. 9:46
   d. El
      1) YHWH Far. 85:8; Isa. 42:5
      2) Elohim, Uma. 46:3, Iy. 5:8 keessaa, "Ani El dha, Elohim abbaa keetii"
      3) Shaddai Uma. 49:25
      4) "inaafaa" Ba'u 34:11, Kes. 4:24; 5:9; 6:15
      5) "araara" Kes. 4:31, Nah. 9:31 keessaa
      6) "guddaa fi sodaatamaa" Kes. 7:21; 10:17; Nah. 1:5; 9:32; Dan. 9:4

7) “beekumsa” 1Sam. 2:3 keessatti
8) “da’oo cimaa koo” 2Sam. 22:33 keessaa
9) “ijaa baasaa koo” 2Sam. 22:33 keessa
10) “tokkicha quqlulluu” Isa. 5:16 keessaa
11) “hundaa oli” Isa. 10:21 keessaa
12) “fayyina koo” isa 12:2 keessaa
13) “guddaa fi humna qabeessa” Er. 32:18 keessaa
14) “adabaa sirrii” Er. 51:56 keessaa wajjin kan wal qixxaa’uudha.

e. Walitti hidhamni hundaa ol ol’aanaa ta’e maqoota Waaqayyoo Iyyaasuu 22:22 (El, Elohim, YHWH, irra deebi’ame) keessatti ni argama.

B Elyon (BDB 715, KB 832)

1) Hiikkaan bu’uraa isaa “ol’aanaa” “kan oqubaan dhihaatuuf” ykn “ol ol jedhe” (cf. Uma. 40;17; 1Mot. 9:8; 2Mot. 18:17; Nah. 3:25; Er. 20:2; 36:10; Far. 18:13).
2) Inni maqaawwan/taayitaawwan Waaqayyoo danuu wajjin cinaayyaadhaan fayyadee jira.
   1) Elohim – Far. 47-12; 73:11; 107:11
   2) YHWH – Uma. 14:22, 2am. 22:14
   3) El-shaddai – Far. 91:9
   4) El-Num 24:16
   5) Elah – yeruma hundaa Daani’eel 2-6 fi Iziraa 4-7 keessatti illair wajin walitti hidhamuudhaan ni fayyada (Armaayikiitti “Waaqayyo Hangafa”) Dan. 3:26; 4:2; 5:18,21
3) Inni yeroo baay’ee warra Isiraa’eloota hin taanee faayidaarra oola
   1) Malkiisedeq, Uma. 14:18-22
   2) Balaam Lak. 24:16
   3) Muusee, waa’ee saboota Kes. 32:8 keessatti dubbatuu
   4) Wangeelli Luqaas Kakuu Haaraa keessaa barreeffamni Ormootaaf barreeffames dabaltaan jecha Giriikii wal qixa ta’e Hupsistos (cf. 1:32,36,35,76; 6;35; 8;28; HoE 7:4; 16:17).

C Elohim (DANESSA), Eloah (LEEXAA) ifatti walaloo keessatti faayidaarra oole (BDB, 43, KB 53)

1) Jechi kun Kakuu Mofaatiin ala hin argamu
2) Jechi kun Waaqa Isiraa’el ykn Waaqolii tolfamoo sabootaa addaan baasee ni kaa’a (cf. Ba’u. 12:12; 20:3). Warri Abrahaam Waaqayyoolii biraatiif ni hojjetu turan (cf. Iya. 24:2)
3) Inni abbootii firdii Isiraa’el eeruu ni danda’a (cf. Ba’u. 2:6; Far. 82:6).
4) Jechi elohim dhagnoota hafuuraa kan birootiifis (ergamoota, hafuura hamaa) akka Kes. 32:8 (LXX); Far. 8:5; Iy. 1:6; 38:7 keessaatti faayidaarra ooleera.
5) Macaafa Qulqulluu keessatti inni aangoo/maqaa Waaqummaa jalqbaati (cf. Uma. 1:1). Inni addumatti hamma Uma. 2:4; iddoo itti inni YHWH wajjin walitti makametti faayidaarra ooleera. Inni bu’urumaarraayyuu (karaa ti’oolojiitiin) Waaqayyo akka uumaa, itti fufsiisaa, fi dhiheessaa pilaaneetii kana irratti jireenya hunda hunda dhiheessu ni eera (cf. Faarsaa 104).

   Inni El wajjin moggaadha (cf. Kes. 32:15,19). Inni dabalataanis akka Faarsaa 14 (elohim) sirrumatti akka Faarsaa 53 (YHWH) jijjiirama maqaalee Waaqummaatirraa kan hafe YHWHdhaan cinayyaa ta’uu ni danda’a.
6) Hammamiyyuu DANEESSAAN FI Waaqayyoolii kan birootiif faayyadullee, jechi kun yeroo baay’ee Waaqayyo Isiraa’el addaan nib aasa garuu immoo itti fayyadama Waaqayyo tokkicha amanuuf agarsiisuuf yeruma hunda GOCHIMA LEEXAA ni qaba.
7) Jechi kun akka maqaa Waaqummaaf ta’utti afaan warra Isiraa’elootaan ala ta’an keessatti ni argama.
   1) Malkesideeq, Uma. 14:18-22
   2) Balaam, Lakk. 24:2
   3) Muusee, yommuu waa’ee sabootaa dubbatu, Ba’u 32:8
8) Maqaan beekamaan Waaqa tokkoo Waaqayyoo Isiraa’el DANEESSA ta’uun isaa waan hin baratamneedha! Hammamiyyuu wanti mirkanaa’e jiraachuu baatullee, ti’ooriiwwan kunooti.
   1) Ibraayisxiin DANEESSA yeroo baay’ee danuu ni qabu. Sirriitti kanaa wajjin kan walitti dhihaatu barreeffama caasluuqaa Ibraayisxii booddee “The plurar of majesty” jedhamu, iddoo itti DANESSAAN qabiyyicha addeessuuf faayidaarra ooledha.
   2) Inni kun tarii mana mare wangeela, isa Waaqayyo Waaqarratti wal qunnaman fi isa gatii

3) dhiheessuu Isaa raawwatu eeruu ni mala, (cf. 1Mot. 22:19-23; Iyob 1:6; Far. 82:1; 89:5,7)
4) Inni kun Kakuu Haaraa keessatti mal'achuu sadan Waaqa tokkoo dhagnoota sadi calqqisiisuu ni danda'a. Uma. 1:1 Waaqayyo ni uuma; Uma. 1:2 Hafuurri ni hammata, akkasumas Yesuus Kakuu Haaraa uumama keessatti bakka bu'aa Waaqayyo Abbaati (cf. Yoh. 1:3,10; Rom. 11:36; 1Qor. 8:6; Qol. 1:15; Ibr. 1:2; 2:10).

D YHWH (BDB 217, KB 394)

1) Inni kun maqaa isa Waaqayyo akka Kakuu kennu, Waaqayyo akka fayyisaa, hafuura hamaarraa quqlulleessaa ni calaqqisiisa! Dhalli namaa kauuwwan ni cabsu, garuu immoo Waaqayyo sagalee, abdii, fi kakuu Isaatiif amanamaadha (cf. Faarsaa 103).

   Maqaan kun jalqaba Elohim wajjin walitti makamuudhaan Uma. 2:4 keessatti eeramee ture. Uumama 1-2 keessatti yaadota uumamaa lama otuu hin ta'in, xiyyeeffannaawwan lama (1) Waaqayyo akka uumaa bantiiwwan Waaqaaf lafaa (kan mul'atu) fi (2) Waaqayyo akka uumaa addaa dhala namaa tu jira. Umamni 2:4-3:24 mul'ata addaa waa'ee taayitaa mirgi dhalootaa kennamuufi kaayyoo dhala namaa, akkasumas akka rakkina cubbuutii fi taayiaa adda ta'e wajjin fincila gamtaa'een ni jalqaba.

2) Uma. 4:26 keessatti "namoonni Waaqayyoon (YHWH) maqaadhaan waammachuu jalqaban" jedhameera. Haa ta'u malee, Ba'u. 6:3 sabni kakuu jalqabaa (paatriyaarkootaatti beekuu isaanii ni argisiisa. Maqaan YHWH yeroo tokko qofaa Ba'u. 3:13-16 keessattuu w.14 keessatti ibsame. Haa ta'u malee barreeffamoonni Muusee yeruma hundaa jechoota akka seensa jechootaatti otuu hin ta'iin, taphoota jechaa beekamoodhaan ni hiiku (cf. Uma. 17:5; 27:36; 29:13-35). Ti'ooriiwwan danuun akka hiika maqaa kanaatti ni ta'u jedhamanii yaadamaa turan ni jiru (IDB, vol. 2, ff. 409-11 irraa fudhatame).
   1) Hidda Arabiffaa tokko irraa "jaalala itti fufeenya qabu argisiisuu"
   2) Hidda Arabiffaa tokko irraa "qilleensa'uu" YHWH akka Waaqa hobomboleessaa)
   3) Hidda Ugartic (Kana'aan) irraa "dubbachuu"
   4) Barreeffama dhagaa/sibiila irraa bocamee argame Phoenician tokko hordofuu, hiikni CAUSALTIVE PARTICIPLE "Tokkicha Isa jiraatu" ykn "Tokkicha Isa hundeessu" ta'e
   5) Gosa Qal Ibraayisxii irraa "Tokkicha Isa ta'e" ykn "Tokkicha Isa amma ta'e" (miira egeriitiin, "Tokkicha Isa ta'u"
   6) Gosa Ibraayisxii Hiphil irraa "Tokkicha isa ta'uuf sababa ta'u"
   7) Hidda Ibraayisxii irraa "jiraachuu" (fak. Uma. 3:20), jechuunis "jiraaaa bara baraa, Tokkciha bara baraaf jiraatu"
   8) Qabiyyee dubbisaa Ba'u 3:13-16 irraa tapha gosa IMPERFECT irraa bifa PERFECTtiin faayidaarra oole, "Wantan ture ta'uuf itti fufuun qaba" ykn "Ani wantan yeruma hunda ture ta'uuf itti fufuun qaba" (cf. J. Wash Watts, A Survey of Syntax in the Old Testament, f. 67). Maqaa guutuun YHWH yerumsa hundaa akaakuu isa sirriitiin ta'uu danda'a ibsame.
      a. Yah (fak. Hallelu – yah, BDB 219, cf. Ba'u. 15:2; 17:16; Far. 89:9; 104:35)
      b. Yahu ("Yaas" dhuma maqootaa, fakk. Isaayyaas)
      c. Yo ("Jo" jalqaba maqootaa fkn Josua, kn Joel)

3) Amantii Yihudii booddee keessatti maqaan kakuu kun baay'ee quqlulluu (tetragrammaton) isa warri Yihudootaa dubbachuuf isaan abboommii Ba'u. 20:7, Kes. 5:11; 6:13 cabsuuf kajeelanii turaniif qaana'anii turan ni ta'e. Kanaaf isaan jecha Ibraayisxii "abbaa qabeenyaa" "barsiisaa" "abbaa manaa" gooftaa"tiif adon ykn adonai (Gooftaa koo) itti ni jijjiirani Yomuu gara dubbisa isaanii kitaabota Kakuu moofaa YHWHtti dhufanitti isana "gooftaa" jedhanii waamu. Kanumaafi YHWHn hiikkaa Ingiliffaatirratti LORD kan Afaan Ormootti immoo Waaqayyo jedhamee kan barreeffameef.

4) Akkuma El wajjin YHWHnis dabalataan amaloota Waaqa kakuu Isiraa'eliif tokko tokkoof ixyyeeffannaa kennuudhaaf jechoota biroo wajin waliitti makameera. Akkuma walitti makamuun jechoota danuun jiraachuu danda'an, kunoo tokko tokko.
   1) *YHWH – Yireh* (YHWH ni kenna, BDB 217 & 906, Uma. 22:14
   2) *YHWH – Rophekha* (YHWH fayyisaa keessani, BDB 217 & 950, Ql. PARTICIPLE 1Ba'u 15:26
   3) *YHWH – Nassi* (YHWH faajjii kooti, BDB 217 & 651), Ba'u. 17:15
   4) *YHWH* - Meqaddishkem (YHWH Tokkicha Isa si qulqulleessu BDB 217 & 872, piel PARTICIPLE) Ba'u 31:13

5) *YHWH – shalom* (YHWH Nagaadha, BDB 217 & 1022), Abo. 6:24
6) *YHWH – sabbaoth* (YHWH ni keessummeessa, BDB & 878). 1Sam. 1:3,11; 4:4; 15:2; yeroo baay'ee Raajota keessatti
7) *YHWH – Ro'I* (YHWH tiksee kooti, BDB 217 & 944, Qal PARTICIPLS), Far. 23:1
8) *YHWH – sidqenu* (YHWH tolaa keenya, BDB 217 & 841), Er. 23:6
9) *YHWH – shammah* (YHWH jira, BDB 217 & 1027), His. 48:35

▣ **"Ulfina gomfachiifte"** 1:3 irratti yaadannoo jiru ilaalaa.

**2:8** kun Faru 2:6 dha, ta'us garuu Uma. 1:26, 28-30 kan waabefatuudha. Bifa Waaqayyootti kan uumaman namoonni (Uma. 1:26-27) akka bulchiinsa biyya lafaa ta'ani hojjetu turan (akka bakka bu'aa Waaqayyotti). Ta'us garu kufaatiin seera uumamaa boqonnaa 3 gocha kana gufachiiseera (Lak. 9c).

**2:9 "Garu isa ni argina"** NASB bak-buusa maqaa hundumaa qubee xiqqaadhaan kan inni godhe lakk. 7 fi 8 irratti (jechuun, barreessichi faarfannicha eerera), ta'us garuu lak. 9 irratti isaan qubee guddaadhaan (barreessichi amma faarfannicha hoji irra oolcheera), akkasumas ilma namaa kufee kan yaadamu dhala namaa wajjin wal bira qabuudhaan. Waaqayyoo ilma namaa teessissera bakka aboo ulfina qabeessa, ta'us garuu ilmi namaa cubbuu hojjetee bakka sana dhabe. Yesus nama kan ta'e waaqni bakka ilmi namaa ga'u sana raawwate, kanaaf du'a isaatti kan amanne ilma namaa gara iddoo ulfinaatti deebise. Yesus dhugumatti nama ture! Kunis kan biraa ramaddii kan Addaam-Kristoosiiti (Rom. 5:12-21, 1Qor. 15:21-22, 45-49, Fil. 2:6-11).

▣ **"Ergamaa irra xiqqoo isa xiqqeessite"** kun wal dorgomsiisuu ifaa dha, lak. 6 fi 7. Innis Yesus foon uffachuu isaatii fi lafa irra jiraachuu isaa dubbata.

▣ **"Yesus"** barreessan Ibirootaa haala amala isaatiin "Yesusin" fayyadama, ibsa kan biraa tokko male (2:9, 3:1, 6:20, 7:22, 10:19, 12:2, 24, 13:12). Kunis tarreefama sanyiiti, Yesuusiif akka Iyyaassuu isa haaratti. Maqaan isaa sirritti wal fakkaataadha. Barreessaan Ibirootaa wantota seera ba'uu baayinaan itti fayyadama. Iyyaassuun saba Waaqayyo gara lafa abdii hafeetti akka ittin ga'u, akkasumas immoo Yesusi isaaniin gara mootummaa Waaqayyootti isaan galcha (jechuun, boqonnaa guyyaa torbaffaa).

▣ **"Rakkina du'aa irraa kan ka'e"** kun kan argisiisu Uma. 3:15 Faru. 22, Isa. 53 dha. Inni bakka bu'aa Waaqayyooti, fayyisuudhaan!

▣ **"Ulfinaa fi aboo gonfateera"** kun keeyata xumuramee hojii irra ooleedha. Inni gonfoo kan gonfate ture ni ta'as!1:3 irratti yaadannoo jiru ilaali.

▣ **"Ayyaana Waaqayyootiin"** hiiki kun (charity Theos) kitaaba ingilliffaa hundumaa irratti argama, akkasumas immoo barreefama harkaa Girikiidurii irratti ni deggerama (P46, ℵ, A, B, C, D). Ta'us, dubbifamni keessaa fincile "Waaqayyootti adda ba'ee" (choris Theos) kan baay'ee boodee ta'e barreefama duri irratti argama. Tarreefama barreefama kakuu haaraa Girikii irratti Birus M Belsigaara akka jedhutti kun ka'umsuma irraa iyyuu yaadannoo jecha miilla jalaati 1Qor. 15:27 irratti kan wajjin deemu, innis akka malee kan hubatan, "charitiTheos" dhaaf sirreefamni akka godhameedha (fuula 664).

Yunayitid Bible Society yaadannoo kitaaba ergaa Ibirootaa irratti Pool Ilingi Worth fi Yujinii A, Niida yaada biraa teessiseera, "Waaqayyo irraa adda ba'ee" tarii kan Faru. 22 kan eeru ta'a, kunis immoo Yesus fannoo irratti qofaa isaa ta'uu isaa kan ibse (Mar. 15:35) fuula 37. Yaadni wal fakkaataan kun Mayilees M. Biruk, Jeroom barreefama kitaaba qulqulluu irratti kennameera (fuula 385).

Kan biraan filannoo sadaffaan jira (Barti D. Ermaan irraa, kallattiin sagaleen isaa boora'u, OxfordiPreess 1993, fuula 146-150 irratti irraa kan fudhatame) sunis kan inni ibsuu ta'e jedhe akka

jijjiramee dha “Waaqayyoo irraa adda ba’e” sababa barumsa hafuuraatiif, keessumatti rakkoo barumsa hafuuraa Ginostikiitiif.

Garagarummaan kun Orijinii fi Jeroomitti ni beekama. “Adda ba’e” (choris) jechi jedhuu Ibiroota irratti yeroo kudha sadii faayidaa irra ooleera, kunis immoo haala barreessaa kanaa argisiisa, jecha kana fayyadamuudhaaf. Dabalataanis akka Hermaaniiti (fuula 148), inni yeroo hundumaa kan inni hordofuu keeyata maleeti, maqaa.

▣ **“Du’a arga”** hubachuun faayida-qabeessa kan ta’u, rakkina fudhachuu Yesus Kristoos fedha Waaqayyoo ta’uu isaati (Uma. 3:15, Isa. 53:4, 10, Mari. 10;45, 2Qor. 5:21). Ergaan rakkina fudhachuu kanaa luqisii kakuu moofaa irratti itti fufa, haftee boqonnaa lamaa irratti.

▣ **“Tokkoon tokkoon isaaniitiif”** akka yaada barreefama kanaatti kan inni argisiisu rakkina Yesus Kristoosiin kan ta’e jijjirama oolchuuti (53:6, Rom. 5:6, 8, 10, 17- 19, 1Qor. 15:22, 1Xim. 2:4, 6, 4:10, Tito. 2:11, 2Phex. 3:9). Yesus kan inni du’ee rakkoo cubbuu namaatiif. Ilmi namaa akka hin fayyine kan godhu qofaa isaa kennaan ayyaana Waaqayyoo amantiidhaan fudhachuu diduudha, Yesus Kristoosiin kan ta’e hoji xumurame (Yoha. 3:17-21).

**MATA DUREE ADDAA: SOCHII LOOTII LALABAA (BOB’S EVENGELICAL BAISES)**

Malli Tiyooloojii kootii kalvinizimii (Calvinism) ykn “Dispensational cal” miti, garuu komishinii guddaa lallaba wangeelaati. (cf. Mat. 28:18-20; Luq. 24:46-47; Hoer. 1:8). Dhala namaa cubbuuraa qulqullaa’e (dhiifama cubbuu argateef) waaqayyo kaayyoo baraa qabaaf jedheen amana. (Fakn. Uma. 3:15 12:3; Ba’u 19:5-6; Erm 31:31-34; His 18:36:22-39; Hoer. 2:23; 3:18; 4:28; 13:29; Rom. 3:9-18; 19-31). Isaanis warra Bifa isaa fi fakkeenya isaan uumamanidha. (cf. Uma. 1:26-27). Kakuun isaas kiristoos keessattis ni tokkummaa’e (cf. Gal. 3:28-29; Qol. 3:11). Yesuus hojjetaa waaqayyooti dhoksan kan ture amma ifa ba’a. (cf. Efe. 2:11-3:31). Wangeelota ‘KH’ tu furtuu caaffata qulqullaa’ooti malee Israaleloota miti.

Hubannoon duraan nuti qabnu hiika keenya ni murteessa. Hundumaa karaa sanaan dubbifna. Kun immoo yaada olii gad dha'ameedha, garuu kan ta'uu qabu karaa barreeffama qulqulluu qofadha.

## IBROOTA: 2:10-13

**10 Waaqayyo inni wanti hundinuu maqaa isaaf, isaanis jiraatu, ilmaan baay’ee gara ulfinaatti geessuudhaaf; akeekeera; kanaafis isa fayyina isaaniitiif sababa ta’eef sana, dhiphinaan, geggeessaa waan hundumaa fiixaan baasuu gochuun hojii isaa ture. 11Egaa inni qulqulleessu warri qulqulleefamanif hundinuu kanuma abbaa tokkooti; sababi kanaaf inni qulqulleessu sun “Obboloota koo” jedheeisaan waamuu hin yeella’u. 12Inni “Obboloota kootti maqaa kee nan beeksiisa, waldaa keessattis sin faarfadha” jedheera. 13Dabalee immoo “Ani isa nan amanadha” akkasuma immoo “kunoo, ani asan jira, ijoolonni Waaqayyo anaaf kennes as jiru” jedheera.**

**2:10 “Isaa irraa kan ka’ee wanti hundinuu isaan kan ta’e, wanti hunduu isaan ta’eera”** dabalataanis, bak-buusi maqaa isaa hiiki isaa rakkisaa kan ta’eedha. Kun Waaqayyo abbaa argisiisuu danda’a (Rom. 11:36) yookaan ilma (1:2, 3, Qol. 1:15-17). Sababni isaa Yesus “barreessichi” jechuudhaan waan eerameef, Lakk. Kana kutaa boodaa irrratti, bak-buusii maqaa inni duraa abbaa eeruutu irra jira. Ta’us, Yesus bakka bu’aa abbaati, uumama irratti (1:2, Yoha. 1:3, 1Qor. 8:6, 15:25-27) inni furuu irratti akkuma ture firdii irrattis ni ta’a.

▣ **“Ijoollee baay’ee gara ulfinaatti yeroo fiduu”** kallattiin maatii kan kakuu haaraa guutummaatti ibsameera, boqonnaa 2 lakkoofsa hafan irratti. Faayiidaa irra kan oolan sagallee maatiiwwani hubadhu. Galmi kakuu haaraa fakkaati Waaqayyoo nama kufee irraa deebi’uu dha. “Baay’ee” jechi jedhu “Muraasa” jechuu miti “hundumaa” faallaadhaan akka dhi’aatee (Lak. 9 “tokkoon tokkoon” ).

"Hundumtuu" fi "baay'ee" kan jedhan jechi kitaaba qulqulluu keessatti bifa wal-fakkaateen faayidaa irra oola (Isa. 53:6, 11, 12 fi Rom. 8:18 , 19 wajjin). Kanaaf, Mari. 10:45 fi 14:24 argisiisuu kan isaan qaban "hundumaa" dha "muraasawwan" osoo hin taane! Kun akka barreefamichaatti qulqulleessuun isa fincilaa Kaalviniif faayidaa irra ooluu hin danda'u (jechuun, supra- lapsarian).

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"fayyina mataa isaanii mudaa malee gochuu"** |
| **NKJV** | **"fayyina mataa isaanii mudaa malee gochuu"** |
| **NRSV** | **"wala'ansoo fayyina isaanii mudaa malee gochuu"** |
| **TEV** | **"Yesuusiin mudaa malee gochuu"** |
| **NJB** | **"mudaa malee gochuuf… geggeessaa fayyina isaanii"** |

"Mudaa malee" jechi jedhuu (kan gocha ammaa kan hin murtoofne) hiiki isaa "mudaa malee ta'uu, bilchaachuu, bakka taa'aniitti ga'aa ta'u" jechuudha (Efe. 4:12). Barreessaan Ibirootaa "mudaa malee" yeroo sadii fayyadameera, Yesuusiin ibsuudhaaf (2:10, 5:9, 7:28) fi yeroo sadii duuka buutuu isaa ibsuuf (10:14, 11:40, 12:23). 7:11 irratti mata duree addaa ilaali.

Yesus ilma namaa isa dhugaa ture (Luq. 2:40, 52). Innis amantiidhaa fi abboomamuudhaan guddateera (Luq. 2:40, 52). Hamaadhaan qorameera (5:8-9). Inni tokkoon tokkoon gufuu hafuuraatiin wal'aansoo qabee mo'eera (4:15). Inni ilma namaatiif fakkenya guddaa ta'eera (1Phex. 2:21).

## MATA-DUREE ADDAA: BARREESSAA/ GEGGEESSAA (ARCHEGOS)

"Barreessaa" yookaan "geggeessaa" jechi jedhu jechi Girikii *arch*'*gos* dha. Innis Girikii jalatti "jalqaba" kan dhufee (arche) fi "deemuu" yookaan "geggeessuu" (ago). Wal makaan kun faayida irraa ooluu kan jalqabee bitaadhaaf, ilma mooti yookaan geggeessaadhaaf (kan namaa yookaan kan ergamaa). Sagalichi kakuu haaraa qofa irratti faayidaa irra kan oole.

1. Mataa jireenyaa yookaan uumaa HoE. 3:15
2. Ilma mootii yookaan geggeessaa (HoE. 5:31)
3. Mata fayyina isaanii raawwachuudhaaf Ibr. 2:10
4. Uumaa (yookaan falmaa)fi raawwata amanti Ibr. 12:2

Yesus jalqaba, kan kennuu, fi fayyina kan raawwatu.

▣ **"Rakkinaan"** Yesus mudaaa maleeti, akka haasaa namaatti, rakkinaan, (5:8-9). Yesus irra deddeebi'ee dubbateera, waa'ee rakkinni fi ari'atamni duuka-buutota isaa mudatu (Mat. 5:10-12, Yoh. 15:18-19, 17:14).

Waldaan kiristaanaa durii mormii heedduun ishee mudatee ture, Yihudoota irraa, waaqa tolfamaa kan waaqeessan irraa, mootota Roomaa irraa fi isa hamaa irraa, Waaqayyo garuu mormi kanaa fudhatee gara meeshaa bu'a qabeessaatti fi Kristoosin gara fakkaachuuti jijjire (Rom. 8:17, Fil. 1:29, 2Xim. 3:12, Yaq. 1:2-4 fi 1Phex. 4:12-19). Dhugaan isaa mul'achuu danda'a (1)kakuu moofaan (Ibr. 11) fi (2)tajaajila Phaawuloos (1Qor. 4:9-12, 6:4-10, 11:24-27).

**2:11**

| | |
|---|---|
| **NASB, NRSV** | **"lammanuu, kan qulqulleessuuf kan qulqulla'uu"** |
| **NKJV** | **"lammnuu kan qulqulleessuuf kan qulqullaa'uuf jiru"** |
| **TEV** | **"innis namoota cubbuu isaanitti isaan qulqulleessa, lammanuu inni fi kan qulqullaa'an"** |
| **NJB** | **"kan qulqulleessuu fi kan qulqullaa'u"** |

Kun jijjirama jechaati, "qulqulluu" yookaan "kan qulqullaa'an" kan jedhuu (10:10, 14). Akkaataan fayyadama jalqabaa keeyata gocha ammaati (Yesus) fi lammaffaan keeyata hoji irra oolee ammaati (saba isaa, Yoha. 17:19). Yesus saba isaa wajjin ibsameera (1:14 fi 2:6-8, 9:180.

Amantootni abbaadhaan qulqulla’aaniiru (Yoha. 17:17, 1Tes. 5:23), karaa ilmaa (1Qor. 1:2, Efe. 5:26, Ibr. 10:10, 14, 29, 13:12), kallattiwwan kun Ibr. 2:11 irratti tokko ta’eera.

1. Qulqulluu abbaa
2. Qulqulluu ilmaa
3. Qulqulloota amantoota (1Phex. 1:13-25)

Kun lammanuunu dhugaa dha, ejjennoonis ta’ee muxaannoodhaan. Kristoosiin nuyi qulqulloota akkasumas akka Kristoos qulqulloota akka taanuuf kan nuyi waamamne.

## Mata duree addaa: Qulqulluummaa

Kakuu Haaraan cubbamoota qalbii jijjiraanaa fia amantiidhaan gara Yesuusitti deebi’uudhaan akkuma sanaan qajeelootaa fi qulqulloota godhe isaan dhaabe. Kunnis Kiristoosiin kan qabaniif ejjennoo haaraa dha. Fuuli isaa gara isaanitti naana’a (Roomee 4). Isaan sirridhaa fi qulqulluu akka ta’an in labsama (hojii tola Waaqayyoo).

Haa ta’uu malee Kakuu Haaraan immoo amantoota waa’ee qulqullummaatii fi waa’ee tolaatiif cimsee yaadachisa. Innis lamaanuu ejjeennoo xin-waaqummaa karaa Yesusu Kiristoos waa’ee hojii raawwateef Kristoosiin waa’ee fakkaachuuf waamamuu (jechuun, jireenya guyyaa guyyaa ilaalchaaniis ta’ee gochanidha). Fayyinni kennaa tolaatii fi tooftaa jireenya hundumaatiif hundumtuu gatii akka ta’ee qulqulla’uunis akkuma kana.

| <u>**Deebii ka’umsaa**</u> | <u>**itti fufeenyaa kan qabuu Kristoosiin fakkaachuu**</u> |
|---|---|
| Hojii Ergamootaa 20:23, 26:18 | Roomee 6:19 |
| Roomee 15:16 | II Qorontos 7:1 |
| I Qorontos 1:2-3, 6:11 | Effeessoon 1:4, 2:10 |
| II Tessoollonqee2:13 | I Tessoollonqee 3:13, 4:3-4, 7,5:23 |
| Ibiroota 2:11, 10:10, 14, 13:12 | I Tessoolllonqee 2:15, |
| I Pheexiroos 1:12 | II Ximootihos 2:21, |
| | Ibiroota 12:14, 1 |
| | I Pheexiroos 1:15-16 |

⊡ **“Hundumtuu abbaa tokko irraati”** “abbaa” jecha Girikii miti (NASB, NRSV, TEV). “Inni” kan jedhu bakki maqaa gaaleen itti fufee jiru kan inni eeruu Yesuusin (NRSV, TEV, NIV). Kanaaf tarii NJB hiiki isaa, “hundumtuu sanyi tokko” yookaan NIV “maatii tokko irraati” akka yaada barreefama isaatti baay’ee wali gala. Akkas yoo ta’e, nama ta’uu Yesus Kristoos kan mirkaneessuu dha (lak. 14).

⊡ **“Sababa kanaaf obbooloota jedhee yoo isaan waame hin qaana’u”** Yesus mataa isaa kan inni ibsuu guutuu guutuutti akka amanuutti ilma namaati. Kara rakkina isaatiin bifi Waaqayyo gara isaanitti deebi’e. Itti fufani kan jiran luqisiin kakuu moofaa sadi (lak. 12-13) yaada qabiyyee barreefama isaa keessaa kan ba’an fakkaatu, ta’us garuu dubbifama Masihii irraati, jecha barsiisootaa fayyadamuun. Lakkoofsi 10-18 akka yaada barreefama isaatti kan inni argisiisuu walumaa gala Yesuusiin duuka-buutoota isaa wajjin:

1. Lammanuu abbaa labsuu
2. Lammanuu abbaa galateeffatu
3. Lammanuu amantaa isaanii abbaa irratti gatu
4. Yesus (“Ana” kan lak. 13B) fi duuka buutota isaa (“ijoolee” kan lak. 13b) abbaadhaan ilmi kennamuu isaan wal qabateera
5. Lammanuu Yesuusii fi duuka-buutotni isaa uumama namaa wal irraa qoodatu
6. Lammanuu Yesuusii fi duuka-buutotni isaa qoramaniiru

**2:12-13** kun luqisiin duraa boodaa kakuu moofaa kan inni ibsuu Yesus amantoota wajjin akkamitti akka mul’ateedha, bareefama kakuu moofaa kana fayyadamuudhaan.

**2:12 “Maqaa kee obboloota kooti nan himaa”** kun Faruu. 22:22 dha, innis haala raajiitiin fannifamuu wajjin kan deemu.

▣ **"Wal gahii"**

## MATA DUREE ADDAA: WALDAA (EKKLESSIA)

Kunis jecha Giriik *"ekklesia"* kan jedhudha. Innis jechoota lama kanneen "kanarra kan caalu" (out of) fi jedhamu "called" irraa dhufe. Kanaafuu, jechi kun kan inni madaalu "Gama Waaqaummaatiin waan tokkoo ala" kan jedhudha. (The divinely called out-ones) waldooleen durii jecha kana fayyadama addummaa amantii (Sevular user) irra kan fudhattee (cf. HoE 19:32,39,41) fi sababa beektonni torbaatamii (septuagint's) jecha kana "walitti qabamuu" (congregation) Israayelootaaf ittii fayyadamaniifidha (cf. lakk 16:3; 20:40). Isaanumtuu walitti fufinsaan akka saba Waaqayyoo bara Kakuu Moofaa keessatti ittii fayyadamaniiru. Isaan Israa'eeloota Haaraa turani (cf. Rom 2:28-29). Gal 6:16; 1Phex 2:5; Mul 1:6). Ergaa Waaqayyo Addunyaa guutuuf qabu mirkaneessuudhaf (cf. Uma. 3:15; 12:3; Ba'u 19:5-6), jechichi walgeelootaaf Hojii Ergamootaa keessatti haala baay'eedhaan itti dhimma bahameera.

a. walgahii magaalaa, HoE. 19:32,39,41
b. ummata Waaqayyoo waliigalaa karaa Kiristoosiin, Mat. 16:18 fi Efesoon
c. waldaa amantootaa qe'ee karaa Kiristoosiin Mat. 18:17; HoE 5:11 (waraabbii kana keessatti waldaa Yeruusaalem)
d. ummata Israa'el waliigalatti HoE. 7:38 Lallaba Isxifaanoos keessatti
e. E. saba Waaqayyo naannootti HoE. 8:3 (Yihudaa ykn Filisxeema)

**2:13 "Isatti nan amanadha"** gaaleen kun Isa. 8:17 dha. Tuqaa kana irratti jecha tokko dabaluuf, barreessichi itti fufee kan Septuwajentii fayyadamuu isaa innis adda kan ta'e, yeroo tokko tokkoo immoo baay'ee adda kan ta'e, Ibiroota irraa barreefama (Masoraatik). Falmii heedduun bara keenya jira, sababa hiika ingilliffa adda addaatiif. Warri tokko tokkoo isa tokko isa tokko irra caalchisani filatu, yero tokko tokkoo kiristaanummaa fi yaada hiktootaa sanaa gaaffachuudhaan. Hafuurri Waaqayyoo hiika Girikii fayyadamu erga danda'e, baha dhi'oo duriitti wangeela ittiin gahuudhaaf inni hiikoota adda addaa dhugumatti ni fayyadama, bara keenyattis waan wal fakkaataa kana gochuuf. Inni dhimma yaad-rimee hiikaa miti, fedha Waaqayyooti male, namoonni dhaga'aanii akka amanan, Misiraachoo gaarii Kristoos.

▣ **"Kunoo anas ijooleen Waaqayyo naaf kennees"** kun septuwajenti Isa. 8:18 luqisiidha. Tuqaan wali galaa isaa Yesus amantoota wajjin tokkummaa inni qabu kan mirkaneessuu dha (Lak. 17).

## IBROOTA:2:14-18

**14Ijoollonni kun foonii fi dhiiga akkuma ta'an, inni "obboloota koo" jedhee isaan waamu kunis akkuma isaanii ta'e; du'a isaatiin seexana isa humna du'aa ta'e balleessuudhaaf nama ta'e. 15Warra du'a sodaachuudhaan bara isaanii guutuu garbummaa jala jiraatan hundumaa birmaduu baasee. 16 Innoo ergamootaaf osoo hin ta'ein inni Abirahaamiif in dhimma. 17Kanaafis inni ilma Waaqayyoo duratti angafa lubootaa isa o'aqabeessaa fi amanamaa ta'uudhaaf, namoota dhiifamu cubbuu argachiisuudhaaf, karaa hundumaa obboloota isaa fakkaachu isa barbaachiisa. 18Inni waan ofi isaatti dhiphate qorame arge keessatti, warra qoramni itti dhufu gargaaru ni danda'a.**

**2:14 "Egaa"** kun hima ramaddii hima haalaa tokkooffaa dha, innis ilaalcha barreessichaa irraa yookaan haala kaayyoo barreefamichaa irraa dhugaa dha jedhame fudhatama.

▣ **"Ijooleen isaa foonii fi dhiiga irraa waan hirmaataaniif, innis immoo foonii fi dhiiga irraa akkasuma hirmaata"** "hirmaachuu" jechi jedhu (koinonia) gocha xumurame kan argisiisuu dha) kan inni dubbatus ka'umsa isaatii fi itti fufeenya kan qabu qaama Yesus Kristoosiiti. Lak. 14 fi 15 kan inni xiyyaafatu Yesusiif eenyummaa isaa dhugaa dha, kunis kan Ginostiki durii rakkoo barumsa hafuuraa faala amantaa kan deemani kan ture (1Yoh. 4:1-6).

Gaaleechi Girikiidhaan akkuma jirutti kan inni jedhu "dhiigaa fi foonii" dha. Kunis sirridhumatti faallaa dha gaaleecha irraa akkataa fayyadamaa baratame irraa. Barsiisonni gaalee kana kan isaan fayyadaman dadhabaa ta'uu namaatiif. Barreessitootni Ibirootaa gaaleecha gadi gombisani ta'a, ammam illee Yesus nama yoo ta'es, inni kufaati cubbuu ilma namaa dhiibbaa akka isa irraan hin geenye argisiisuudhaaf (Rom. 8:3, Fil. 2:7-8).

Warri Ibirootaa lammanuuf ni mirkanneessa, Waaqummaa Yesus (1:1-3, 4:14) fi namummaa isaa.

1. 2:14 uumama namaa fudhate
2. 4:15 hundumaan akka namaatti qorame
3. 4:7 gara abbaatti kadhate bo'ichaa fi imimaaniin
4. 5:8-9 rakkina keessatti mudaa malee ta'e

▣ **"Du'I illee"** du'a Yesus, du'a du'e! kun kan Yihudootaa barumsa hafuuraa aarsaa ta'uu fooniiti (Lew. 1-7). Inni qulqulluun tokkoo hundumaaf du'e (Rom. 5:12-21, 2Qor. 5:14-15, 21).

**2:15 "Aboo kan qabu akka irraa buusuu"** kun sagalee wal fakkaataa dha (katargeo) jechuun waraabiin Kingi Jamsi "baleessuu" asitti fi Rom. 6:6 irratti. Innis dhugumatti kun hiika qaba 2Tas. 2:8 irratti. Inni yeroo hundumaa rakkisaa dha, akka yaada barreefamichaatti illee, gochamni kun hiikamuun akka irra jiraatu beekuudhaaf "balessuu/haquu" yookaan "duwwaadhaa fi gati kan hin qabne gochu" kan jedhuun (1Qor. 15:24, 26, Efe,. 2:15). Ta'us, hundumtu immoo hiika qabaata "akkasumaas gochuu, duwwaadhaa fi gati kan hin qabne gochuu, akka hin hojjenne gochuu" (Rom. 3:3, 31, 4:14, 6:6, 1Qor. 2:6, 13:8, 2Qor, 1:7).

## Mata duree addaa: Duwwaadhaa fi akkasumaan (KATARGEO)

Kun (KATARGEO) isa tokkooffaa jecha jaallatamaa Phaawulos inni ala 25 itti fayyadameera, garuu immoo inni bal'aa kan ta'ee murtii hiikaa kan qabuu dha.

A. Kan isaa jecha hundee qabeessa boci isaa kan jedhuu
   1. Damaqaa kan hin taanee
   2. Hojii kan hiikee
   3. Fayyadama irra kan hin oole
   4. Bu'aa kan hin qabne
   5. Kan hin hojjenne
B. Kata wajjin wal makee yeroo galuu kan ibsuu
   a. Sochoo'uu dhiisuu
   b. Faayidaa dhabuu,
   c. wanta haqamee
   d. Akkuma sanaan wanta hojjetamuu
   e. Raawwate hojjeechuu kan hin dandeenye
C. Innis Luqaas irratti al tokkoo fayyadama irra ooleera, ija kan hin qabne, jedhees faayida kan hin qabne, mukaan kan ibsuu (Luqaas 13:7)
D. Phaawulos isa kan fayyadamee galumsa jecha dhokkataa dursa karaa lamaatiin
   a. Waaqayyo hojeeta ta'ee wantoota hin hojjennee , ilma namaatiif diina kan ta'e
   1. Mucaan namaa kan uumama cubbuu Roomee 6:6
   2. Waa'ee seera Musee "sanyii" kakuu Waaqayyootiin wajjin kan wal qabatee Roomee 4:14, Galaatiyaa 3:17, 5:4, 11, Effeessoon 2:15
   3. Human hafuuraa I Qorontos 15:24
   4. "Namoota seera hin beekne" 2ffaa Tessoollonqee 2:8
   5. Du'a foonii I Qorontos 15:26, 2ffaa Ximootihos 1:16 (Ibiroota 2:14)
   b. Waaqayyo isa moofaa (kakuu, bara) isa haaraadhaan bakka buusa
   a. Seera Musee wajjin wantoota wal qabatee Roomee 3:3, 31, 4:14, II Qorontos 3:7, 11, 13, 14
   b. Fakkenya gaa'ilaa seeraa fi fayyadama irra kan oole Roomee 7:2, 6

c. Wantoota bara kanaa I Qorontos 13:8, 10:11
d. Qaamni kun I Qorontos 6:13
e. Geggeesitoota barichaa I Qorontos 1:28, 2:6

Jechii kun kan hiikamuu karaa adda addaa hedduu dhaan garuu hiiki inni guddaan wanta tokkoo faayidaa kan dhabsiisuu, duwwaadhaa fi gatii kan hin qabne, kan hin hojjenne, human kan hin qabne gohu dha, garuu immoo argama kan hin qabne ta'uu hin danda'u, kan haqamee fi raawwatee kan bade.

⊡ **"Inni immoo du'a irratti aboo kan qabu, innis immoo dabiloosiidha"** seexanni du'a irratti aboo raawwataa hin qabu (Iyo. 24-6, 1Qor. 5:5), haa ta 'u malee inni du'a irratti humna sodaachisu qaba (Lak. 15) innis ijoollee namaa hundumaa irratti qaba (1Qor. 15:54-57). Humna qaama isa hamaa qaba fedhi Waaqayyo hundumtuu lafa kana irratti akka hin taane kan dhorku (Yoh. 12:31, 14:30, 16:11, 2Qor. 4:4, Efe. 2:2, 1Yoh. 4:4, 5:19). Yesus du'a diigeera (2Xim. 1:10) akkasumas inni kan si'oolii fi furtuu du'aa qaba (Mul. 1:18).

## Mata duree addaa: Seexana

Sababa hedduu kaasuuf kun dhimma baay'ee ulfaataadha.

1. Kakuu Moofaan waaqimboo dina namaa (archenemy) haala gaariin hin bisu. Garuu tajaajilaa/hojjetaa YHWH kan filannoo dhala namaaf kennuu fi gocha sirrii hin taaneef kan himatudha.
2. Yaadni dhunfaa Waaqayyoottii diina guddaa ta'uu kan babal'ate gidduu galinsa hogbarruu Macaafa Qulqulluu (haala madaalli hin kaafneen (non canonical) dhibbaa amantii pershiyaatiiniii (*zoroostrianism*)dha. Kunis, buubatti deebi'ee, duree amantii biyohoo kan judizimii (Rabbinical judicism) jeeqeera.
3. Kakuu haaraan, ergaa guddaa Kakuu haaraa haala dinqisiifannaa ifa ta'een: garuu keessaa rammaddiiwwan isaa filatee

Yoo namni tokko qo'annoo jinnii/waan garaa/ (evil) ogummaa (perspective) barnoota Macaafa Quqlulluu (biblical theoloty) irrattii garga baasuuttii dhiyaatee (tokkoon tokkoon macaafootaa ykn barreessaa ykn haalli barreeffama hogbarruu isaa ni qoratee gargara baasee ni murteessaa kana booda ilaalchiwwan jinnii baay'een ni ibsamu.

Yoomillee yoo namni tokko qo'annoo jinnii obsa miti Macaafa Quqlulluu (non babilical) ykn Macaafa Qulqulluun ala kan ta'an amantiin Addunyaa ykn amantii gara bahaatti dhiyaate; guddinni kakuu haaraa hedduun amantii peershiyaa 'dualism' jedhuu fi 'Greco Roman Spritism' jedhuun haguugameera.

Yoo namni tokko dhugaadhumaan fudhatee, Aangoo humna Waaqayyoo of Macaafa Quqlulluu barreessuuf waadaa gale, kana booda guddinni Kakuu Haaraa akka Mul'ata babal'achaa deemuutti ilaalamuu qaba. Kiristaanonni yaada wangeelaa hiikuuf aadaa Yihudootaa (Jewish folklore) ykn ogbarruu warraa dihaa kana (kana jechuun, Dante, Milton) fudhachuu dhiisuu irraa of dhorkuu/eeguu qabu.

Naannoo Mul'ata kanaa kan jiru, kan hiikni isaa shakkisiisaa ta'ee fi kan waan maddi isaa hin beektamne (mystery)dha. Kan Waaqayyo filates amaltoota jinnii (Afuura haamaa) (evil) madda isaa fi kaayyoo isaa ibsuu osoo hin taane, kufaatii isaa beeksisuudha. Kakuu Moofaa keessatti jechi seena ykn himataa jechu garee adda addaa sadii wajjiin wal qabatu fakkaata.

1. Himataa, Namaa (humna accuser) (Isam 29:4; 2Sam. 19:22; 1Mot 11:14, 23, 25, Far. 109:6)
2. Himataa Ergamaa (Angelic accuser) (Lakk. 22:22-23; Zak 3:1
3. Himataa Afuura hamaa/jinni (demonic accuser (1Sen 21:1; Mot. 22:21; Zat 13:2)

Bara giddugalaa ragaa (intertestament) booda bofti Uma 3 irra seexana wajjiin adda ba'ee ibsama (cf. "Book of Wisdom" 2:23-24; 2Henok 31:1, malee hanga ammaatti illee kan fialnnoo barsiisaa seera ta'e miti. (cf. Sot 96 fi Sanh 29a). "Ilmaan Waaqayyoo" kan Um 6 jedhu, 1Enoch 54:6 irratti ergamoota ta'aniiru, sirrummaa isaa gama barnoota amantiin (theologically) ibsuu koo miti, garuu guddina isaa agarsiisuudhaafanii Kakuu Haaraa keessatti gochaawwan Kakuu Moofaa kunneen 2Qor 11:3; Mul 12:9 irrattii namummaa hamaa (i.e. Seexanaaf) gumaachaniiru/ibsuuf tajaajilaniiru.

Kakuu Moofaa irraa madde seexanaa murteessuun ilaalcha irratti hundaa'ee ulfaataa ykn kan hin danda'amnedha. Kanaafis sababa kan ta'u Waaqa Israa'el isa jabaa tokkichaa (Israal's strong monotheism)dha. (cf. 1Mot 22:20-22, Lall 7:14; Isa 45:7; Amos 3:6). Sababoonni dhiyaatan hundinuu (all

causality): Addummaa fi olaantummaa YHWH mirkaneessuu keessatti gumaacha godhaaniiru. (cf. Isa 43:11; 44:6,8,24; 45:5-6, 14,15,21,22)

Maddoonni ragaa ta'uu danda'an kan isaan xiyyeeffatan (1) Iyo 1-2, bakka sexanni "Ilmaan Waaqayyoo" keessaa tokko taatee ergamoota jechuudhaan dhiyaate. Ykn (2) Isa 14; His 7:28, bakka oftuultoonni mootummoolee gara bahaa 9baabiloonii fi xiiroos), olaantummaa/oftulummaa seexanaa argisiisuuf itti dhimma bahan. (cf. 1Xim. 3:6). Anis miira (emotion) waa'ee ilaalcha kanaa walmaksiiseera. Hisqeel akka seexanaatii His 28:12-16). Dhaaba Waaqayyoo Eden mootummaa Xiiroos qofa bakka buuse osoo hin taane mootummaa Gibxiifillee akka muka beekumsa gaariif yaraa (qoode evil) bakka buusee. (His 31). Kana ta'uyyuu, Isa 14, addummaan immoo Lakk 12:14 oftuulummaan ergamootaatiin akka mormu waan ibsu fakkaataa. Otoo Waaqayyoo adda baasee maddaa fi uumamaa seexanaa, nuuf ibsuu barbaadeera ta'ee kun daandii qaxaamuraa fi bakka ittii hojjetaan ta'ayyu nutis dirqama, toftaa kallattii waliigalaan waan xiqqoo barnoota amantii, qaama ulfaataa ragaa gara garaa (ambiguous testaments), barreesstootaa, kitaabolee, fi odeeffannoo mormuu irraa of eegannee akka hiphoo Waaqayyootti (divine puzzle) walsimsiisuu qabna.

"Alfred Edersheim" *(The life and Times of Jesus the Massial* Vol 2 appendices XIII (pp. 748-763)) jedhuuti, dureen "dualism" jedhamuu fi tumaama/yaada jennii 9demonic speculation) baay'ee jeeqamee ture. Bakka kanatti barsiisonni (Rabbis) dhugaatiif madda sirrii miti. Iyyaasuusis battalumatti barsiisa manneen sagadaa warra hurrii ba'an (synagogue) irraa adda ba'e. Akka yaadutti; yaadni barsiisa ergamaan gidduu galuu fi seera tulluu siinaarratti Museetti kennameen mormuu ergama YHWHtti akkasumas dhala namaatti diina guddaa (archenemy) ta'uuf balbala baneera.

Waaqoolii gurguddoo lamaan Iraan (Zoroastrian)

'Alkimai fi Ormaza', gaarii fi garaa yaada barsiisaa kanaa amantii Yidhudootaa kan lamummaa 9dulaism of YHWH & Satan) daangeessu guddiseera. Akka guddina jinni (waan yaraatti (evil)

Kakuu Haaraa keessatti dhugaadhumaan mul'ata wlairraa hin icnneetu jira, garuu akka labsii barsiisotaatti kan of eeggannoon ibsame miti. Garaagarummaa kanaaf fakkeenya gaarii kan ta'u "lola samii keessaa" (War in heaven" kan jedhuudha. Kufaatiin seexanaa adeemsa barbaachisudha. Garuu murteewwan isaa hin kennamne. Wanti kennamellee hogbarruu balaa guddaa ibsan (2po. Calyptic gence) haguugameera) dhokateera. (cf. Mul 12:4,7,14-13). Ta'uuyyuu sexanni mo'amee gara lafaattis darbatameera, hanga ammaattis akka hojjete YHWHtti tajaajilaa jira. (cf. Mat 4:7; Luq 22:31-32; 1Qor 5:5; 1Xim 1:20)

Nutis dirqama dharraa waa hubachuu keenyaa bakka kana keessatti to'achuu qabna. Humni nama qoruu tokkoo fi hamaa (evil) ta'e ni jira. Garuu hanga ammaatti Waaqa tokkichaa fi dhala namaa qofatu filannoo isaatiif deebii ta'a. Lollii afuuraas fayyina duraa fi booda ni jira, mo'ichi kan argamuu fi kan nama harka turu, Gargaarsa Waaqayyootiin qofadha. Jinnii/hafuurri hamaa mo'atamee jira, ni ba'a/ni gadhiisa.

**2:16**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"sirritti beekuudhaan"** |
| **NKJV** | **"dhugumatti"** |
| **NRSV, TEV** | **"ifaa ta'uu isaatiin"** |
| **NJB** | **….irra hir'ateera…** |

NRSV fi TEV yaada isaa haala fooyya'aan ibsa.

⊡ **"Gargaarsa hin kennu…. Gargaarsa kenna"** isaan lamaan kun gidugalleessa ammaatti (kan mirkaneessu) kan argisiisanii dha. "Miti" dursee taa'eera, hima Girikiitiin, mirkaneessuudhaaf. Gochamichi *epilambano* dha, kunis *lambano* jalaa "fudhachuu" yookaan "walitti dhufeenya" bifa sirri kan ta'een kaayyoo alta'aatiif. Akka haala barreefama kanaatti inni kan argisiisu gocha Yesus bifa sirri ta'een (8:9) haala namoota amantootaatiin kunis gara Ergamootaatti raawwatanii kan hin argisiifne. Akkasumas immoo Yesus fi duuka buutota isaa addunyaa ergamootaa wajjin dhiibbaadhaan ta'eera.

⊡ **"Sanyiiwwan Abirahaam"** kun akkuma jirutti "sanyi Abiraahaam" dha. Yaahiwween mucaa kan hin qabnee Abirahaamiif abdi kennee ture, abbaa saba baay'ee akka ta'u, dhaloota baay'eedhaaf (Uma. 12:2, 15:2-6, 17:4-7, 18:10, 18). "Sanyi" jechi jedhu kan baay'ee yookaan kan qeenxee ta'uu danda'a. kanaaf, inni lammanuu, saba Israa'eelii fi kan dhufuuf jiru Masihii. Kan biroo barreefama kakuu haaraa irraa akka hubannuutti inni kna wajjin deemu amantiidhaa wajjin, sanyii yookaan gocha wajjin osoo hin

taane (Yoh. 8:31-59, Gal. 3:7, 9, 29, Rom. 2:28-29). Abdiin Abirahaam haal-duree tokko malee ture (keessumatti Uma. 15:12-21, Rom. 4), kakuun Muse aboomamuu irratti kan ta'ee kan haalaa yeroo ta'u.

**2:17 "Waan hundumaatiin obboloota isaa fakkaachuun isaaf ta'e"** hoji Yesusiin giddu galeessa godhate, haala ilma namaatiin uumama keenya guutuu guutuutti hubachuu isaa wajjin kan inni wal qabate (2:11, 18, 4:15) kanaaf angafa lubaa keenya isa guddaa ta'uu ni danda'a.

**▣ "Kan haraarsuu fi angafa lubaa amanamaa akka ta'u isaaf ta'e."**

## MATA-DUREE ADDAA: YESUS AKKA ANGAFA LUBAATTI

Ibirootni kakuu haaraatti adda kan ta'ee dha, Yesuusin angafa lubaa jedhee waamuu isaa irraa kan ka'e. Bakka heeddutti kakuu moofaa keessa jiru, Masihicha jecha lubbummaatiin kan ibsu (Faru. 110:4, Zak. 3-4). Ergaan kun guutummaatti ni jabaata, boqonnaa 4:14-5:10 fi 6:13-7:28 irratti.

Ibirootni hoji angafa lubummaa Yesus kan inni ibsu karaa heedduudhaan.

1. Haraarsuu cubbuutiin (2:17; 7:27; 9:14)
2. Warra cubbuudhaan qoraman jajjabeesuuf (2:18)
3. Yeroo barbaachisuutti ayyaanna (4:15-16)
4. Jireenya bara baraa fiduudhaan (5:9-10)
5. Haala amantootaaf kadhachuu (7:25)
6. Gara qulqulluu Waaqayyootti dhi'aachuuf ija jabina (10:19-21).

**▣ "Kanaaf cubbuu sabaa dhiifama gochuuf,"** "harara gochuu" jechi jedhu Septuwajentiidhaan faayidaa irra kan oolu teessoo haraaratiif (golga) tabooti kakuu kan inni golgamu qulqulluu qulqullootaatti. Ta'us, hiiki Girikii dheekamsa Waaqayyoo qabaneessuuf, akkasuams immoo ijoollee namaatii fi "waaqa tolfamaa" gidduu kan jiru kan dhowuu dhabamsiisuuf. Asitti akkaataa sababa fayyadama sagalee isaa hiikni ammayyaa nama hin gammachisan, Yaahiewwee kan ilaalatee waan eeruuf hiikni (RSV fi NJB) isa kan hiikan akka "beenyaa" ti. Yesus Yaahiwwee firdiidhaa fi haraara yeroo tokkichatti fida (1Yoh. 2:2, 4:10). Ta'us, kana ilaaluun nurra hin jiraatu, akka isa dheekame waaqummaa kakuu moofaatii fi akka isa jaallatamee Yesus Kristos. Abbaan ilma isaa erge (Yoh. 3:16). Ilmi abbaa bakka bu'a ni fakkaatas.

**2:18 "Inni mataan isaa qoramee rakkina waan fudhateef"** "inni rakkina fudhateera" gocha xumuramee kan argisiisuudha, innis kan itti fufee jiru Yesus rakkina inni fudhatu kan ibsu "ni qorame" (*peirazo*) jechi jedhuu, badiisaaf kan ta'u qoramsa hiika jedhu qaba(4:15, Mat. 4:1). Inni hamaan Qaraniyoo irratti baleessuudhaaf qoreera, ha ta'u malee Waaqayyo isa kana gara mo'icha oolchuu guddaatti jijjire.

## Mata duree addaa :Jechoota Giriikii qoruudhaafii hiika isaaniitiif

Jechi Giriikii lama jiru : isaanis tokkoon isaa akeekaa fi yaada qoruu kan qabu

1 Dokimazo, Dokimion,Dokimasia

Jechi kun sibiilummaa cimina waan tokkoo qoruuf jecha ta'uudha. (jechuun, haala meetaafooriitiin nama tokko) abiddaan. Abiddi sibiila dhugaa argisiisa in gubas (jechuun, in quleessas) ligidaa'ummaa adeemsa haalaatiifi jecha haalaa cimaa ta'eera, waaqayyoodhaa fi /seexanni fi /namoonni kan biraan yeroo qoran. Jechi kun qofaa isaa fayyadama irra kan ooleedha.Bifa alta'aadhaan fudhatama argachuudhaaf kan qoru ta'uu isaa. Innis qoruudhaaf Kakuu Haaraatti fayyadama irra kan oole

a) Sangoota Luqaas 14;19
b) Mataa keenya 1 Qoronxoos 11:28
c) Amantaa keenya Yaaqoob 1:3
d) Waaqayyo illee Ibiroota 3:9

Bu'aan qormaata kanaa gaarii akka ta'utti yaadama (Roomee 1:28, 14:22,16:10,II Qorontos 10:18,13:3,Filippisiyuus 2:27,1 pheexiroos 1:7). Kanaafuu jechichi kan argisiisu yaadi isaa inni tokko kan

ittiin sakatta’amuu fi qoramuudha

a) Fayyadaa akka ta’u
b) Gaarii akka ta’u
c) Qajeelaa akka ta’u
d) Gati qabeessa akka ta’u
e) Kabajamaa akka ta’u

2 Peirazo, peirasmus

Jechi kun yeroo hundumaa dogoggora barbaacha yookaan kaayyoo fudhachuu dhiisuu kan argisiisu hiika sakatta’iinsa qabateedha. Innis yeroo hundumaa fayyadama irra kan oolu qormaata yesuus lafa onaa wajjin walqabateeti

a) Innis kan inni ibsu iyyesuusiin qabuudhaaf yaalii godhamu (Matiwoos 4:1,16:1,19:3,22:18,35,Maarqoos 1:13,Luqaas 4:38,Ibiroota 2:18).
b) Jechi kun (peirazon) akka moggaasa seexanaatti hojii irra ooleera. Matiwoos 4:3,1 tasolonqee 3:5.
c) Innis yesuusin fayyadama irra oolera,waaqayyoon akka hin qorre (Matiwoos 14:7,Luqaas 4:12,) [yookaan kiristoos 1 Qor 10:9] inni immoo waan hin bareenne hojjechuudhaaf yaalii ibsaati (Hojii Ergamoota 9:20,20:21,Ibiroota 11:29). Inni fayyadama irra kan oole qormaata amantoota fi sakatta’amuu wajjin walqabateeti (I Qorontos 7:5,10:9,13, Galaatiyaa 6:1,1 tasalonqee 3:5, Ibiroota 2;18,Yaaqoob 1:2,13,14, 1 pheexiroos 4:12,2:19). Waaqayyo diina mucaa namaa sadiif iyyama (jechuun, biyya lafaa,foon fi seexana) Yeroo murtaa’ef bakka murtaa’etti akka mul’ataniif.

⊡ **“Warra qoraman gargaaruu danda’a.”** Dhugaa wal fakkaataan kun 4:15 irratti irra deebi’ameera. Yesus hawaasa gargaarsa fudhatuu wajjin guutummaatti ibsameera (lak. 17)!

## GAAFFILEE MAREE

Qajelfamni qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta’u, sana jechuunis garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaatti hiikuun itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. tokkoon tokkoon keenya ifa nu kennameen adeemuutu nurra jiraata. Hiktoonni jalqabaa si, kitaaba qulqulluu fi hafuura qulqulluu dha. kanas deebiftee kan hiiku irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Gaaffileen maree kun kan kennamana kutaa kitaaba kanaa dhimmoota gurguddaa akka ta’utti akka qayyaabattu akka si gargaaruuf. Kana jechuunis akka ta’utti akka xiinxaltu si kakaasuuf malee kana qofaan akka daangooftu miti.

1. Kakuu haaraan kakuu Musee irra karaa inni ittiin caaluu tarressi .
2. Barreessan kun kakuu Musee irraa maliif irra deddeebi’ee eeree?
3. Boqonnaa 2 irratti kan jiran of-eegachiisi eenyuudha kan isaan argisiisan?
4. 2:6-8 kan inni eeruu ilma namaati Yesusiin?
5. Yesus maaliif rakkina fudhate, Kristaanni rakkinaan akkamitti dhiibbaan isa irratti geggeefama?
6. Akka lak. 14tti seeexanni Kristoos irratti humna du’aa qabaa?
7. Sababa Yesus dhufeef tarreessi.

# IBIROOTA 3
## HIIKAAWWAN HARAAWAA RAMADII KEEYAATA

| UBS[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Yesus Musee irra caala | Ilmichi kan amana dhaa | Kristoos Musee irra caala | Yesuus Musee irra caala | Kristoos Musee irra ol jedhaa dha |
| 3:1-6 | 3:1-6 | 3:1-6 | 3:1-6 | 3:1-6 |
| Boqnnaan saba Waaqayyootiif (3:7-4:13) | Amanama ta'i | Of egachiisaa fi yaadachiisa (3:7-4:13) | Boqonnaan saba Waaqayyootiif (3:7-4:13) | Gara bakka boqonnaa Waaqayyoo ga'uu (3:7-4:13) |
| 3:7-11 | 3:7-15 | 3:7-19 | 3:7-11 | 3:7-11 |
| 3:12-19 | Kufaati joora lafa onaa keessaa | | 3:12-15 | 3:12-19 |
| | 3:16-19 | | 3:16-19 | |

**MARSAA DUBBISAA SADII (fuula vi ilaali kutaa seensaa)**
**YAADA BARREESSAA JALQABAA SADRKAA KEEYATAAN DUUKA BU'UU**

Qajeelmani qayyabannaa hiika yeroo ta'u, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu ofii keeti yeroo hiiktu itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kenameen deddeebi'uutu nurra jira. Hiiktooni jalqabaa si, kitaaba qulqulluu fi hafuura qulqulluudha. Kanaas deebifte hiiktota irratti jechama kan biraan akka hin fudhanne.

Boqonnicha of irra gadi taa'uu tokkoon dubbissi. Yaada-ijoowwan irratti. Yaada-ijoo kee ramaddiiwwan gara olitti tarreefaman hiika shanan wajjin wal bira qabi. Ibsi guutuun keeyaticha irratti argamuu yoo baatees hiiki yaada barreessicha jalqabaa ta'e inni guddaan irratti ni argama. Tokkoon tokkoon keeyataa yaada ijoo tokkoo fi tokko qofa qabateera.

1. Keeyata tokkoffaa
2. Keeyata lammaffaa
3. Keeyata sadaffaa
4. K.K.f…

**AKKA QABIYYEE HAALA BARREEFAMICHAATTI Ibr. 3:1-4:13**

A. Kutaan kun kan inni argisiisu Yesus kakuu Museetiin geggeessaa lakkuu irratti guddummaa jiru dha, Musee fi Aaroon, obbolootaa fi Lewwota turan. Kunis waa'ee lubummaa Melkesediq gara maree hoji irra ooleetti nu geggeesa, Ibr. 4:14- 7:28.

B. Kutaan kun ibsa barsiisaati yaad-rimee lamaan (1)"mana Waaqayyoo" 3:1-6 irratti (Lak. 12:7-8, 2Sam. 7) fi (2)"Boqonnaa" 3:7-4:13 (Faru. 95:7-11).

C. Wal falmichi akka itti fufee jirutti guddateera.
   1. Museen mana Waaqayyootti/kutaa maatii ture, Yesus garuu kan manichaa/maatiicha kan ijaaru ture
   2. Museen manichatti tajaajilaa ture, Yesus miseensa maatiichaa yeroo ta'u
   3. Museen boqonnaa Waaqayyoo fiduun hin danda'aamneef, Yesus garuu danda'eera

D. Ramaddiin barreefamichaa tarreefama of-eegachiisaa barumsa hafuuraati, abboomamoo fi amanamoo akka ta'aaniif. Yesus aboomamaadhaa fi amanamaa ture, Israa'eloonni garuu akkas hin ture. Kakuun Musee abboomamuu diduu irratti abboomuu ture, innis kan hammaate. Kakuu haaraa fudhachuu dhiisuudhaaf finciluun ammam kan hammaatee abboommu qabaata a (2:1-4)?

E. Kutaan kun ramaddii mul'atuu dha. Innis kakuu haaraa kan inni ilaaluu akka haaraatii fi ba'uu hafuuraatti dha!

## IBROOTA: 3:1-6

**1Kanaafis yaa obbolootaa Waaqayyoof qulqullooftanii waamicha isa waaqa irraa keessaa hirmaatani, Yesusin ergamaa fi angafa lubootaa, isa amantii keenyaan beeksiifnu yaadadhaa! 2Akkuma Museenn guutummaa mana Waaqayyoo keessatti amanamaa ta'e, innis Waaqayyo isa hoji kana irra isa dhaabeeff amanamaa ture.3Namni mana ijaaruu mannicha caalaa ulfina akkuma qabu, Yesus, Musee caalaatti ulfina guddaa argachuuf kan malee ta'eera. 4Manni illee adduma addaan nama tokkoon in ijaarama; inni wanta hundumaa ijaaru garuu Waaqayyoo dha. 5Ammas Museen akka hojjetaatti wanta Waaqayyo dubbachuuf jedhu dhugaa ba'uudhaaf, guutummaa mana Waaqayyoo keessatti amanamaa ture. 6Kristoos garuu mana Waaqayyoo keessatti amanamaa ture; nuyis amanannaa keenyaa fi abdii isa ittin of-jajnu jabeessinee yoo qabanne nuyi mana isaati.**

**3:1**

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **"qulqulloota obboolootaa"** |
| **NRSV** | **"Obbolootaa fi obboleetootaa"** |
| **TEV** | **"michoota kristaanootaa"** |
| **NJB** | **"qulqulloota obbolootaa"** |

Kitaabni kun eenyuuf barrreefamee? "Obboloota" jechi jedhu irra deddeebi'ee faayidaa irra ooleera (2:11, 3:1, 12, 10:19, 13:11) innis (dhimma mata-durichaa wajjin) amantoota Yihudootaa ilaalata.

⊡ **"Hirmaatoota waamicha waaqa irraa"** yaad-rimeen kun kitaaba qulqulluu keessatti karaa heedduudhaan faayidaa irra ooleera.

1. Israa'eel kan waamamee Waaqayyoodhaan, luboota muutummaa akka ta'uf, addunyaa gara Waaqayyootti deebisuuf (Uma.12:3, Bau. 19:5). Kakuu moofaatti kun waamicha tajaajilaati, fayyina nama dhuunfaa osoo hin taane, waamicha wali galaati (lammi-Israa'el) gochaa murtaa'eef (abbaa wangeelaa addunyaaleessaa).
2. Amantoota nama dhuunfaa waamu (Yoh. 6:44, 65) fayyina bara baraa.
3. Tokkoon tokkoon kiristaanaa kan inni waamamee qaama Kristoos tajaajiluudhaaf karaa kennaa hafuuraatiin (1Qor. 12:7, 11)

## Mata duree addaa: Waamamuu

Waaqayyo yeroo hundumaa waamuudhaan fillachuudhaan fi amantoota gara mataa isaatti dhi'eesuun kakka'umsa in fudhata (Yohannis 6:44, 65, 15:16, I Qorontos 1:12, Eeffeessoon 1:4-5: 11). "Waamamuu" jechi jedhuu bifii barumsi Waaqayyummaa baay'een fayadama irra ooleera.

a. Cubbamoonni fayyinaaf waamamaniiru, karaa hojiin Kristoosiin raawwatee ayyana Waaqayyootiin, hafuura irratti amantaa cimaa jiruu (jechuun, Kiilootis, Roomee 1:6-7, 9:24, innis kara xin-waaqummaa I Qorontos 1:1-2 fi 2 Ximootihos 1:9, 2 Pheexiroos 1:10 wajjin wal fakkaataa kan ta'e).
b. Cubbamoonni maqaa gooftaan kan waamaman akka fayyaniif (jechuun, Ipikaaleo, Hojii Ergamootaa 2:21, 22:16, Roomee 10:9-13). Ibsi kun jecha dhokkataa waaqeffannaa Yihudootaati.
c. Amantooti kan waamamaniif jireenya Kristoosiin fakkaachuu akka qabaataniif (jechuun, Klsis, I Qorontos 1:26, 7:20, Effeessoon 4:1, Filliphisi'uus 3:14, 2 Teessoolonqee 1:11, 2 Ximootihoos 1:9).
d. Amantoonni kan waamaman hojii tajaajilaatiif (Hojii Ergamootaa 13:2, I Qorontos 12:4-7, Effeessoon 4:1).

⊡ **“Yesusiin ilaalaa”** kun gocha amma irratti xiyfaafatuu dha. kan inni jedhus gadi fageessanii ilaaluu dha (10:24). Akka haala barreefamichaatti kan inni argisiisu qaama isaatii fi hoji isaa geggeesitoota kakuu Musee wajjin wal dorgomsiisu dha.

⊡ **“Ergamaadhaa fi angafa lubaa”** maqaa lamaan kun kan isaan argisiisan guddummaa Yesus Musee irratti, akka ergamaa abbaa abooti, fi Aaroon akka Lewwoota angafa lubaatti. Boqonnaan 3 fi 4 kan isaan dubbatan guddummaa Yesus, Aaroon irratti, Jechi “ergamaa” fi “ergamaa” wal fakkaataa waan ta’aniif “ergamaa” innis jecha Giiki kan ta’e “ergu” tarii lammanuu wajjin deemuu danda’a, ergamoota Waaqayyo irraa ergaman, oolchuudhaaf kan gargaaran (1:14) fi Yesusii fi Waaqayyoodhaan kan ergame, warra fayyaan oolchuuf (Yoh. 3:17). Kun kakuu haaraa keessatti qofaa isaa kan jirudha Yesus “ergamaa” kan jedhamu, ammam illee Yohaannis gochamicha dabalee daddabalee yoo fayyadames, abbaa irraa “kan ergame” ta’uu isaa eeruudhaaf (Yoh. 3:17, 34, 5:36, 38, 6:29, 57, 7:29, 8:42, 10:36, 11;42, 17:3, 18, 21, 23, 25, 20:21).

⊡ **“Ergamaa”** kun kan dhufuu “erguu” gochama jedhu irraati, barsisootaaniis faayidaa irra kan inni oolu isa tokkoof bakka bu’iinsa seera qabeessumma hin qabne kan ta’eef. Museen mana Waaqayyoo keessatti akka tajaajilaatti tajaajileera, Yesus immoo “mucaa” miseensa maatii ture. Waaqayyo Musee kan waame akka inni tajaajiluuf , Yesusiin garuu waaqa irraati kan inni waame.

⊡ **“Angafa lubaa”** kitaabni Ibirootaa qofaa isaa kitaaba kitaaba qulqulluuti, Yesusiin angafa lubaa jedhee waamuuudhaaf. Innis kan jabaate tuqaa falmii barsiisootaa fudhata, kan jaarraa tokkooffaa Yihudoota amansiisuudhaaf, Yesus gosa Yihudaa keessaa akka ta’e, luba akka ta’e. Hawaasni kitaaba maraamaa garba du’aa Masihii lama eegu, inni tokkooffaan mootii (gosa Yihuudaa irraa) ini lammaffaan luba (gosa Leewwii irraa, Faru. 110, Zak. 3-4).

⊡ **“Dhugaa baatii keenya”** jechi Girikii kun homologia dha, innis “jechuun” fi “wal fakkaataa” wal makaa jechoota jedhaniiti. Dubbistootni amanti Yesus Kristoositti qaban dhugaa ba’u. Egaa, dhuga-baatii isaanii kana/amantii isaani jabeessanii qabachuun irraa eegama (4:14, 10:23). Kun baay’ee keessaa dhimma isa guddaa kitaabichaa tokkoo dha.

## MATA DUREE ADDAA: BALEESSAA HOJJETAN AMANUU

A. Balleessaa ofii amanuu ykn dubbachuudhaaf hundee jecha Giriikii walfakkaaaa lamatu jira, *homolegeō* fi *exomologeō*. Jechi dacha Yaa’iqoob keessa jiru kan dhufe *homo* walfakkaataa*, legō*, haasa’uu, fi *ex* keessaa irratti. Hiikaan bu’uuraa waan walfakkaataa jechuu ykn wajjin walii galuu jechuudha. Ex. Inni jedhu yaada labsii hawaasaatti kan dabalamedha.

B. Hiikaan Afaan Ingiliffaa garee jecha kanaa
   1. Eebbisuu/Galateeffachuu
   2. Waliigaluu
   3. Labsuu
   4. Dubbachuu
   5. Amanuu

C. Gareen jecha kanaa faayidaa faallaa fakkaatu lama qaba ture.
   1. Galateffachuu (Waaqayyoon)
   2. Cubbuu ofii amanuu

   Kun kan madde yaada namni qulqulluummaa Waaqayyoo fi cubbamaa ta’uu isaaf qabu irraa ta’uu danda’a. Dhugaa tokko amananii fuedhachuun laachuu amananii fudhachuudha.

D. Itti fayyadamni garee jechaa kanaa Kakuu Kaaraa keessatti
   1. Waadaa galuudhaaf (cf. Mat. 14:7; HoE 7:17)
   2. Wanta tokko gochuuf walii galuu (cf. Yoh. 1:20; Luq. 22:6; HoE 24:14; Ibir. 11:13)
   3. Galateeffachuu (cf. Mat. 11:25; Luq. 10:21; Rom. 14:11; 15:19).
   4. Waliigaltee
      a. Namaa wajin (cf. Mat. 10:32; Luq. 12:8; Yoh. 9:2; 12:42; Rom. 10:9; Fil. 2:11; Mul’a 3:5)

b. Dhugaa wajjin (cf. HoE 23:8; 2Qor. 11:13; 1Yoh. 4:2)
5. Labsii ummataa gochuu (yaada seera-qabeessa gara amanti mirkaneessuutti guddate (cf. HoE 24:14; 1Xim. 6:13)
    a. Utuu yakka hin fudhatin (cf. Xim. 6;12; Ib. 10:23
    b. Yakka fudhatanii (cf. Mat. 3:6; HoE. 9:18; Ib. 4:14; Yaa'i. 5:16; 1Yoh.

**3:2 "Inni isa isa mudeef amanamaa ture"** xiyyaafannoo akka yaada barreefamichaa irraa (1)kan abbaa filaannoo Yesus Kristoosif gahaa gochuu dha, muudaamuudhaaf hojii oolchuutiif (Mar. 3:14) fi (2)Yesus amanti hoji irra oolchuun isaa (kan keeyata ammaa) abbaadhaan, amantootni amanti hoji irra akka oolchan. Inni dhugumatti ilma namaa irraa kan ta'e isa tokkoodha. Ta'us, hundeen jechaa harkifataan tokko "mudaamaaf" "uumuu" dha. Arihoos "muuduu" gochama jedhu fayyadameera, Atinatihoos wajjin jeequmsa jiru, Yesus uumama guddaa dha yaada jedhu mirkaneessuudhaaf (Fak. 8:22)kan Waaqayyoo, mataa isaatiin garuu hafuura miti (HoE. 2:36, Rom. 1:4, Qol. 1:15). Kan jaarraa afraffaa jeequmsi argamni hafuuraa tokkoo barnoota ifa ta'e argisiise, ha ta'u malee qaama bara baraa sadiiti kan insamu, abbaa, ilma, fi hafuura qulqulluu (Silaasee). Isaan qaamni hafuura sadan kun kan bara baraa Waaqa dhugaa tokkoo dha (1:1-18). Ibsi gaarii gabaabaan Aarihos , Kiristaani barumsa hafuuraa ilaalaa (maxansa 2ffaa) Milaalard J. Irikseen, fuula 711-715.

▣ **"Manni isaa hundumtuu"** kun gara lak. 12:7, 8 kan waabeefatuu dha. Sabni Waaqayyoo mana Waaqayyoo ta'uu isaa irra deddeebi'ee kan ibsuu fakkiduu kitaaba qulqulluuti (lak. 6 "maatii" Gal. 6:10, 1Xim. 3:15, "mana hafuuraa" 1Phex. 2:5 "maatii Waaqayyoo" 4:17). "Mana" keeyata kana keessatti yeroo jaha faayidaa irra ooleera, yeroo tokko tokkoo hiika ijaarsaa fi yeroo tokko tokkoo maatiidhaaf. Falmichi akka itti fufee jirutti waan deemu fakkaata

1. Museen mana Waaqayyoo/qaama maati ture, Yesus garuu ijaartuu mana sanaa ture.
2. Museen tajaajilaa ture, Yesus miseensa maati yeroo ta'u
3. Museen gara boqonnaa Waaqayyootti fiduu hin dandeenye, Yesus garuu hin dadhabne

**3:3 "Ulfina kan Musee irra caaluu akka ta'uufitti lakkaa'ameera"** kun kan xumuramee hoji irra oolee kan argisiisuu dha. kun raawwatee Yiyudootaa fi ibsa naasiisaa ture (2Qor. 3:7-11).

**3:5 "Tokkoon tokkoon mana isa tokkoon ijaarameera"** kun falaasamaa fi/falmii barumsa hafuuraa "kan falmi bakka ga'umsaa" ta'ee faayidaa irra ooleera jirraachuu Waaqayyii ibsuudhaaf mirkaneessuuf yaalu (Tomaas Agunaas). Ta'us, kun sarara yaadaa ("sababa dursee dha") raawwatee bira gahu hin danda'u, Waaqayyo abbaa gooftaa Yesus Kristoos ta'uu isaa, yookaan Waaqayyo firoota cubbamootaa ta'u isaa.

▣ **"Wanta hundumaa kan ijaaruu garuu Waaqayyoo dha"** abbaan uumaa waan hundumaati (Rom. 11:36, 1Qor. 15:25-27). Yesus bakka bu'aa abbaa ture, uumama irratti (Yoh. 1:3, 1Qor. 8:6, Qol. 1:16, Ibr. 1:2).

**3:5-6 "Kristoos garuu akka mucaatti mana isaatti kan amaname ture"** Yesus ilma (1:2, 3:6, 5:8, 7:28) Musee, tajaajilaa wajjin dhiibbaadhaan ilaaleera (1:2, 3:5, 5:8, 7:28, Bau. 14:31, Lak. 12:7). Museen tajaajilaa amanamaa ture (Lak. 12:7), Yesus garuu miseensa maatii ture!

**3:5** Museen waa'ee Kristoos dubbateera Kes. 18:18-19 (1Phex. 1:11). Kunis 1:1 dhugaa irra deebi'a.

**3:6 "Mana isaati"** kun amantii maatiiti, akka manaatti kan ibsame (Gal. 6;10, 1Xim. 3:15, 1Phex. 2:5, 4:17). Kun gosa fakkiiduu ijaarsaa wal fakkaadha, waldaan kristaanaa mana qulqullummaa jedhamuun hoji irra oola (1Qor. 3:16). Xiyyaafannoon isaa (1)abbaan mannichaa Yesus ta'uu isaa fi (2)Sabi Waaqayyoo akka murna walitti qabameeti.

Waldaan kristaanaa akka mana Yesus ta'uu ishee dubbachuun kan hin baratamiini dha. isaan kun barreefama harkaa Girikii durii xiqqoo bakka maqaa isaa waan jijjiraniif, inni kan inni eeru abbaadha (MSS P4[6] fi G*).

⊡ **"Akka"** kun ramaddii sadaffaa halaati hiikii isaas gocha cimaa kan ta'e *(ean* dabalataaniis kan haalaa). Kunis himichaa fi qabiyyee eegumsaa laataaf (3:14, 4:14, Rom. 11:22, 1Qor. 15:2).

⊡ **"Nuyis kan ija itti jabaannu kan ittiin of jajnuus abdiin hanga dhumaatti xiyyaafannoon yoo eegne"** "jabeesanii qabuu" sabiriifi itti fufiinsa kan qabu xiyyaafannoo dha (kan gochama yeroo amma ibsu, 3:14, 4:14, mata duree addaa 4:14 ilaali). Boqonnaa kanaafi boqonnaa 4 kan hafee itti fufiinsa kan qabu of-eegachiisa tokko (1)Amantootni Yihudootaa gara bilchinaatti akka dhufanii fi (2)Wangeela kan dhaga'anii fi humna isaatti kan ilaalaman Hiri'oota isaanii jireenya amantoota Yihudootaa isaan mataan isaanii guutuu guutuutti akka fudhatan.

⊡ **"Abdii ittiin of-jajnuu"** abdiin kun mirkaneefanneefachuun amala Ibirootaati (3:6, 6:11, 7:19, 10:23, 11:1). Abdiin kan inni eeruu mirkaneefannaa gonfafannaa amantii keenyaati!

## Mata duree addaa: Abdii

Phaawulos jecha kana yeroo baay'ee fayyadama, wantoota adda addaa baayee haa ta'uu malee miiraa firooma qabaniin. Innis yeroo baay'ee kan wajjinin adeemuu amantii amanaa kan fiixaan ba'ee wajjin (1 Xiimoo 1:1). Innis ibsuu kan danda'uu ulfina irraa, jireenya bara baraa, ga'umsa fayyinaa deebi'ee dhufuu, kan kana fakkaatuu. Wajjini dha. Kan galma ga'uu ta'uun isaa mirkaanaa'aadha, haa ta'uu malee qabiyyeen yeroo fuul duratti fi kan in beekamneedha. Innis yeroo baay'ee kan wal qabatuu "amantii irraa" fi "jaalala" wajjini dha (1 Qoro 13:13, 1 Teso 1:3, 2 Teso 2:16). Kan Phaawulos tokko tokkoo tarreefamni fayyadamaa muraasni:

a. Deebi'ee dhufuu isaa, Galaa 5:5, Efee 1:18, 4:4, Titoo 2:13
b. Yesus abdii dha 1 Xiimoo 1:1
c. Amanaan Waaqayyoodhaaf kenna Qolaa 1:22-23, 1 Teso 2:19
d. Abdiin Waaqa irratti boqota Qola 1:5
e. Wangeela amanachuu Qolq 1:23, 1 Teso 2:19
f. Ga'umsa fayyinaa Qolaa 1:5, 1 Teso 4:13, 5:8
g. Ulfina Waaqayyoo Roomee 5:2, 2 Qoro 3:12, Qola 1:27
h. Fayyina ormootaa Kristoosiin Qolaa 1:27
i. Wabii fayyinaa 1 Teso 5:8
j. Jireenya bara baraa Titoo 1:2, 3:7
k. Bu'aa bilchina kiristaanaa Roomee 5:2-5
l. Bitamuu uumama hundumaa Roomee 8:20-22
m. Galma ga'uu ijoollummaa Roomee 8:23-25
n. Waamicha Waaqayyoo Roomee 15:13
o. Hawwii Phaawulos amantootaaf 2 Qoro 1:7
p. Kakuu Moofaan amantoota Kakuu Haaraatiif akka qajeelfamaatti Roomee 15:4

⊡ **"Amma dhumaatti cimanii eeguu"** gaaleen kun Girikii duriitiin barreefama harkaa irratti hin argamu P[46] yookaan B fi, kanaaf isa jalqabaa ta'uu dhiisu fdanda'a. Ta'us, inni kan biroo geengoo durii barreefama harkaa durii gurguddaa hordofeera (א, A, C, D, K, fi P). innis lak. 14 irratti itti dabalameera fi tarii asitti barreessadhaan hiikame ta'u danda'a, wal madaalchiisuuf jecha. Inni dhugumatti akka haala barreefamichaatti barumsa hafuuraa wajjin wal simata. Mata-duree addaa 7:11 irratti ilaali.

## IBROOTA 3:7-19

**7Kanaafiis akkuma hafuurri qulqulluun jedhu, "Har'aa sagalee Waaqayyoo yeroo dhangeessan, 8 akkuma warra guyyaa qormsaa sanatti lfa honaatti, Waaqayyo irratti ka'an sanaa, isin mata-jabeeyyii hin ta'inaa! 9Waaqayyo, 'Yeroo sanatti abbooni keessan hojii koo arganiiru, garuu qoranii na ilaalan. 10Kanaafis ani waggaa afurtamaaf dhaloota kanatti nana**

**aare, garaa isaanii keessati yeroo hundumaa karaa irraa in kaatu, isaan karaakoos hin barin jiru. 11. Yeroo dheekamsa koo sanatis, isaan matumaa iddoo boqonnaa koo sanatti hin galan! Jedhe kakadheera' jedhe" . 12Yaa obboloota nana! Isin keessaa tokkoo illee garaa hamaa isa hin amannee, isa Waaqayyo jiraataa irraa garagalee akka hin qabaaneetti of eegadhaa! 13GAruu isin keessaa namni tokko illee gowomsaa cubbuutiin mata-jabeessa akka hin taaneeti, guyyaan "Har'aa" inni nuyi sagalee Waaqayyo itti dhageenye utuu hin darbiin, guyyuma guyyaatti wal jajjabeessaa! 14Nuyi amananaa keenya isa duraa sanaa amma dhumaatti jabeessinee yoo qabanee, warra Kristoositti qooda qaban in taane. 15Caafanni qulqullaa'anoo, "Har'a sagalee isaa yeroo dhageessan, akkuma warra isa irrati ka'an sanaa, isin mata-jabeeyyii hin ta'inaa!" in jedha. 16Warri sagalee Waaqayyoo dhaga'anii isa irratti ka'an eenyufa'ii? Warruma geggeessaa Museetiin biyya Gibxii bahan sana mitii ree? 17 Waaqayyo waggaa afurtama eenyu fa'iitti aaree? Warruma cubbu hojjetanii, lafa honaa keessatti kufaani, reeffi isaanii bakkeetti hafeeti mitiiree? 18Warrumma isatti amanuu , isaaaf aboomamuu didan sana irraa kan hafee iddoo boqonnaa isaatti akka hin galee eenyufa'iitti kakatee? 19Egaa isaan amantii dhabuu irraa kan ka'ee, iddoo sanatti galuu akka dadhaban, nuyi in argina.**

**3:7 "Hafuurri qulqulluun akka jedhutti"** kun abbummaa yaada hafuuraan liqimfamuu kakuu moofaa hafuuraa qulqulluu akka ta'e kan argisiisuu dha. Akka yaada barreefamichaatti kun baay'ee faaayida qabeessa, sababi isaa qulqulluun sagalee isaa abbummaan isaa Waaqayyoo abbaadhaaf 1:5, 13, 2:6, 11, 4:3, 4, 10:9, 1113:5. Kanaaf, kun dubbifama jabaa dha hafuura qulqulluudhaaf qaama waaqumaatiif (9, 8, 10:15).

## MATA DUREE ADDAA: SADAN TOKKUMMAA

Hojiin qaamota sadan tokkummaa sadan yaadu wal qabatuun hubachuun gaariidha. Jechi "sadan tokkummaa" jedhu Macaafa Quqlulluu keessa yoo jiraachuu baate illee, yaadni isaa iddoo hundumaa jira

A. Wangeelota
   1. Mat. 3:16-17; 28:19 (fi kan kanaan wal qabatan)
   2. Yoh. 14:26
B. Hojii Ergamootaa HoE 2:32-33, 38-39
C. Phaawuloos
   1. Rom. 1:4-5; 5:1, 5; 8:1-4, 8-10
   2. 1Qor. 2:8-10; 12:4-6
   3. IIQor. 1:21; 13:14
   4. Gal. 4:4-6
   5. Efe. 1:3-14, 17; 2:18; 3:14-17; 4:4-6
   6. IITas. 2:13
   7. ITas. 1:2-5
   8. Tito. 3:4-6
D. Pheexiros 1Phex. 1:2
E. Yihudaa Lakk. 20-21

Kakuu Haaraa keessatti jechoonni baay'ina agarsiisan utuu Waaqayyoon ibsanii ni argamu.

A. Waaqayyoof jecha baay'ina agarsiisu fayydamuu
   1. Maqaan *Elohim* jedhu danuu agarsiisa, garuu yeroo Waaqayyoof gargaaru xumura qeenxee agarsiisuun hordofama.
   2. "Nu'i" Uumama 1:26-27; 3:22; 11:7 keessatti
B. Ergamaan gooftichaa bifa ittiin Waaqayyo mul'atu ture
   1. Uma. 16:7-13; 22:11-15; 31:11, 13; 48:15-16
   2. Ba'u. 3:2, 4; 13:21; 14:19
   3. Abboota firdii 2:1; 6:22-23; 13:3-22
   4. Zakaariyaas 3:1-2
C. Waaqayyoo fi Hafuurri isaa garaa gara. Uma. 1:1-2 Far. 104:30; Isa. 63:9-11; Hisq. 37:13-14

D. Waaqayyoo (YHWH) fi Masihichi (*adon*) garaa gara Far. 46:6-7; 110:1 Zak. 2:8-11; 10:9-12
E. Masihichii fi Hafuurichi garaa gara, Zak. 12:10
F. Sadan isaanii iyyuu Isa. 48:16; 61:1 keessatti caqaamaniiru.

Waaqummaan Yesuusii fi eenyummaa qabaachuun Hafuura Quqlulluu amantoota durii Waaqa tokkichatti amanuutti cichan (Monotheistic) rakkisee ture.

1. "Tertullian" - Abbaa ilma caalchisa
2. "origen" – Humna Waaqummaa ilmaa fi Hafuura Quqlulluu gdi xinneessee mul'isa
3. "Arius" – Ilmii fi Hafuurri Qulqulluun Waaqa ta'uu isanaii gana
4. "Monarchianism" Waaqayyo tokkichi tartiibaan, abbaan, ilma, Hafuura Qulqulluudhaan akka of mul'isutti amanu.

Yaadni sadan tokkummaa jedhu yeroo keessa maddoota Macaafa Qulqulluu irratti hundaa'uudhaan wanta lafa kaa'amedha.

1. Yesuus guutummaan guutuutti Waaqa ta'uun isaa fi abbaa wajjin qixa ta'uun isaa Dh.K.B 325tti walga'ii Niiqiyaatiin mirkanaa'ee fudhatame.
2. Hafuurri Quqlulluun eenyummaa mataa ofii qabaachuun isaa fi abbaa fi ilma wajjin wal qixa ta'uun isaa walga'ii konistantinopil irratti (Dh.K.B 381) mirkanaa'ee fudhatame.
3. Bu'uurri amantii sadan tokkummaa hojii Augustine "*De Triniate*" jedhamuun gutummana guutuutti ibsame.

Dhugaatti as dhoksaan tokko jira. Kakuu Haaraan garuu Waaqa tokkicha eenyummaa bara baraa sadi'iin akka dubbatu amanama.

⊡ **"Har'a sagalee isaa yoo dhageessan"** lak. 7-11 Septuwajentii irraa Faru 95:7-11 kan eeramee dha, innis Israa'eeliif of-eegachiisa kan late, yeroo lafa honaa keessa jooruuti, sababa warra hin amananiitiif. Ib. 3:17-4:13tti kan inni hundaa'ee ibsa dubbifama kanaa ta'eeti. Kun ramaddii sadaffaa hima haalaati. Isaanis ilaaluufis ta'ee dhaga'uuf carraa qabu (lak. 9) ta'us garuu fedhii isaaniitiin tole jechuu diduudhaan laphee isaanii jabeessan.

**3:8 "Akka isaanii diduudhaan, laphee keessan didaa hin godhinaa"** waabiin seenaa isaa Israa'eel yeroo lafa honaa keessa jooruu ture. Barreefamni Masooraatikii Ibirootaa fincilii Israa'eel bakka Maaraabaatti teessuma lafaa tarreessa (Bau. 17:7, Lak. 20:13) fi Maasahi (Bau. 17:7 , Kes 6:16). Septuwajentiin isa kan inni hiiku hundee jechaatiin (Maraaba_ bakka jeqummsaatii fi Masaahi _ qoramsa, lak. 9).

"Laphee" jechi jedhu kan inni argisiisu eenyummaa guutuu dha (kes. 6:4-5). Isaan Israa'eloonni kun ka'umsuma irra amantaa qabu, ta'us garuu booda irratti amantiitti hin guddannee (jechuun, yeroo oduu basaastuu kudha lamaniiti) . sababa kanaaf gara biyyatti abdiitti akka galaniif hin heyyamamneef.

## MATA DUREE ADDAA: LAPHEE

Jechi Giriikii "*kardia*" jedhu Hiika beektoota torbaatamaa fi Kakuu Haaraa keessatti, jecha Ibrootaa "*lēb*" jedhu calaqqisiisa (BDB 523). Innis Karoolee hedduun tajaajila (cf. Bauer, Arndt, Ginerich and Danker, *A Greek English Lexicon*, jedhu fuula 403-404 ilaali).

1. bakka bu'ee namaa, handhuura jireenya fooniiti (cf. HoE 14:17; 2Qor. 3:2-3; Yaq. 5:5)
2. buura jireenya afuuraati (i.e. haamilee)
   a. Waaqayyo laphee (namaa) beeka (cf. Luq. 16:15; Rom. 8:27; 1Qor. 14:25; 1Tas. 2:4; Mul. 2:23)
   b. Jireenya Afuura namaaf tajaajila (cf. mat. 15:18-19; 18:35; Rom. 6:17; 1Xim. 1:5; 2Xim. 2:22; 1Phex. 1:22)
3. bu'uura jireenya yaaduuti (i.e beekumsa, cf. Mat. 13:15; 24:48; HoE 7:23; 16:14; 28:27; Rom. 1:21; 10:6; 16:18; 2Qor. 4:6; Efe. 1:18; 4:18; Yaq. 1:26; 2Phex. 1:19; Mul. 18:7; lapheen sammuu walfakkaata, 2Qor. 3:14-15 fi fil. 4:7)
4. bu'uura tarkaanfii fudhachuuti (volition) (i.e. fedhii (will), cf. HoE 5:4; 11:23; 1Qor. 4:5; 7:37; 2Qor. 9:7)
5. bu'uura miira (cf. Mat. 5:28; HoE 2:26, 37; 7:54; 21:13; Rom. 1:24; 2Qor. 2:4; 7:3; Efe. 6:22; Fil. 1:7)
6. gochaawwan Afuuraaf bakka adda ta'edha (cf. Rom. 5:5; 2Qor. 1:22; Gal. 4:6 [i.e., Yesuus laphee keenya

keessa buluu isaa, Efe. 3:17])

7. lapheen bakka bu’ee guutummaa nama tokkoo sadoomii ibsudha (cf. mat. 22:37; kan Seera Keessa Deebii 6:5 irraa fudhatame). Yaadni, kaka’umsi, fi gochoonni laphee namaan gumaatan guutummaan nama dhuufnfaa tokko ibsu. Kakuu Moofaa jecha kanaaf tajaajila adda addaa qaba.
   a. Seera Keessa Deebii 6:6; 8:21 “Waaqayyo garaa isaatti gadde” Hosea 11:8-9 irras jira
   b. Seera keessa Deebii 4:29; 6:5, “laphee keessaniifi lubbuu keessan hunda”
   c. Seera Keessa Deebii 10:16 Garaan hin kitaanamne” fi Rom. 2:29
   d. Hisq. 18:31-32 “laphee haaraa”
   **e.** Hisq. 36:26, “laphee haaraa” walsi (vs) “laphee dhagaa”

⊡ **“Akka guyyichaatti”** asitti fakkeenyi jira jechi Ibirootaa *“yom*”, innis bifa fakkiduutiin faayidaa irra kan oole (Yoh. 8:56, Ibr. 8:9), akkuma jirutti kan yeroo sa’a 24 bifa jedhuun miti.

## Mataa duree addaa: *YOM*

Hiikni *yom* (Guyyan) yaadni waanta qabatamaa irratti hin hundoofne (Theories) kan fudhatame fi kan fooyyee Dr. John Harris’ (Dean of the School of Christian Studies and Professor of OT at East Texas Baptist University) OT Survey I Notebook irratti:

1. Sa'a 24 n yeroo yaada barnootaa Dheedhummaa isaatti kun sirri kan ta'e galmadha *The Literal Twenty-Four Hour Period Theory* (seera ba'u 20:9-11). Galma kana irra ka'udhan gaaffileen kaa'an,
   a. Guyyaa duraa irra akkamin iffi jiraata. Aduun hanga guyyaa arfaffaattiyyuu eega hin Uumamnee?
   b. Horiin hundumitinu (keessumaa kan biroorra kutaa Addunyyaarra harka caalaatti turaniiru). Guyyaa tokko gadi kan hintaanetti. akkamiin moggaafamu? (Um 2:19-20) ?
2. Tiorii Day-Age
   Barumsi kun kan yaalamu, Saayinsiin walta'insa kennuuf (keessuma qorannoo lafaan). Sagalee isaa walin. Barumsich (Theories(kun kan inni argisiisu “guyyoonni” “qorannowwan umurii lafaa”ta'u isaati, dheerinatti, Dheerinni isaanii walqixedha, Akkasums qorannoon lafaa bifa qabsiisuufi walirra tuulama garaa garaa tilmaamee ibsuuf gargaara. Saayintiistonni umama 1 akka waliigalaa guddinaatti waliigala agarsiisaniiru. Biqilaa fi Bishaanni lafaa fi galaanni gargar bahuu faana. Lubbuu dura ta'u agarsiisa.
   a. Lubbuun biqiloonni lubbuu horii duraa dhufua, Dhalli namaa kan bakka bu'u isaa booddanaatii fi walxaxaa gosa jireenyaati akkaataa galma kanaan kan ka'an gaaffileen.
   b. Biqilootairratti daraaraan walmakuun akkamitti ta'a lubbu qabeeyyishifooniif simbirroonno “barootaaf” utuu hin umamin turanii utuu jiranii?
3. Filannoo umurii guyyootaa yaada barumsaa Guyyoonni dhugumaan sa'a 24 qabu, Garuu tokkoon guyyaa baraataaf hirmaatama, Kunsi guddina umamaa argisiisa, Galma kanaan gaafileen ka'an,
   a. Rakkoolee walfakkaatoo'tu ka'u akka bu'ura barnoota umurii guyyaa tokko ka'umissa yadda (Day-Age Theory).
   b. Barreeffamich “Guyyaa agarsiisa akka sa'a 24 tiif akka barnootatti fayyadamuuf?
4. Ittifufiinsa kan qabu badiis umamaa bu'ura barnootaa kun bu'ura barnoota yookiin (The Progressive Creation-Catastrophe Theory) Ka’uumsi yaadaa kun akka itti aanutti ramadama. umam 1:1 fi 1:2 giduu kan hinmurtoofne sa'aa yerootu jira, Innis Qoranno lafaa ammayyawaa kan itti raawwatame; Yeroo kana, Dursa seena umamaa Foosilii kan ibsaman umamaniiru. Tilmaamaan waggoota 200,000 dura, Uumamaa Olitti kan ta'e badiisii ta, e lafakanaarratti kan jiraatu lubbu hedduuwwan balleese. Akkasumas horiidanuu tasa balleessee. Achiis umama 1 guyoonni ta'an. Isaan guyyoonni kun kan agarsiisan ammo irra deebii uumamaatii, umama durairra caalaatti.
5. *The Eden-Only Theory*.
   Tarreeffamni waa'ee umamaa kan agarsiisu uumamaaf Qaama irra keessa qofaadha. jannata Eeden.
6. The Gap Theory
   Uumam 1:1 irrati hunda'un, waaqayyo addunya gonkumma ta'e uumeera. Uumama 1; 2 irratti hundaa'un Luusiifer (Seexanich). Dhimaa addunya mormamee fincile. Waaqayyoo Lusiifeer fi addunya balleessaa cinaadhaan itti murteesse. Waggota miliyoonotaafis qofaa ishee haftee turte. Kanaafis jaataraan qoranoo lafaa nidarban. Uumama, 1; 3-2; 3 irratti hundaa'un, Bara 4004 Q. l. Ki. Dheedhiiwwan ji'an digdamii Afran sa'a fi guyyootaa, Irradeebiidhaan ummni umame. Biishop Asheer (Bara 1954)

Kan umamamni 5 fi 11n farreeffama dhalootaa ilmaan uumamni yoom akka taate beekuuf bara 4004 itti fayyadamaniiru. Ta'us akkaataan qorannoo lafaa erga xumuuame tartiiba qamarii bakka hin bu'u.

7. The Sacred Week Theory

Macaafni seera umamaa kan barreessan guyyootaaf torbeewwani yaada bu'urra kan ta'e akka meeshaa og-barruutti waaqayyoo fi umamaasaa akka safartuu ayyaana hafuura Isaati,

Caseffama bifa kanaan hojii uumanii Waaqayyo miidhagina isaatiif bifa addummaa isaa agarsiisa.

**3:9 "Anaan kan qoranii fi kan na qoratan"** "tutuqanii aarsuu" jechi jedhu lak. 8 irratti fi "qoru" jecha jedhu lak. 9 irratti barreefama Masoratikiin "Mariibaa" fi Masaahi" dha, bakka teessuma lafaa lama, Bau. 17:1-7 irratti kan eerame Israa'eloonni Waaqayyo irratti finciluu isaaniiti. Hiika Girikiitiin jecha adda addaa lamaa "qoramuu" yookaan "yaaluu" faayida irra ooleera. Inni jalqabaa (peirrazo) barsiifataan "balleessuudhaaf qoramuu" hiika jedhu yeroo qabaatu, inni lammaffataa immoo (dokimazo) "tolaa ta'uudhaaf qoramuu yaada jedhu" qaba, ta'us garu akka haala barreefama kanaatti wal fakkaataa dha. mata-duree addaa 2:18 irratti ilaali.

▣ **"Hoji koos kan irratti argan"** hojii dinqii Waaqayyoo, saba Israa'eel irratti, yeroo waggaa afurtama lafa honaa keessa naanna'anitti, gara amantii guutuutti isaan hin fidne. Luq. 16 irra kan jiru kan Alaazarii fi fakkeenya namicha badhaadhaa, Mat. 24:24 wajjin wal makee kan inni argisiisu dinqiin hundumtuu mallattooo Waaqayyoo ta'uu akka hin dandeenyee dha, kana ta'uu yoo baate meeshaa fooya'aan namootni gara amantiitti akka hin fidne (qoramsi seexanaa Yesuusiif Mati. 4:3, 6).

▣ **"Waggaa afurtama"** lakkoofsi kun yeroo heedduu kitaaba qulqulluu keessatti faayidaa irra ooleera. Innis ciigoo Ibirootaa ta'utu irra jiraata, yeroo dheeraaf sa'a fi yeroo hin murtoofne. Amantii isaatti, akka haala barreefama kanaatti inni kan inni argisiisuu waggaa 38 (Lak. 14:34).

Barreessaan Ibirootaa kan Ibirootaatiif barreefama Girikii fooyyeeseera, kanaaf Faarfannaa (Fakkeenya. Kan Phaawulos Faru. 68:18 Efe. 4:8 irratti eeruu isaa) "waggaa afurtama" Israa'eel irraa dinqii Yaahiwwee ilaaluu wajjin walin makuudhaan, yeroo lafa honaa keessa naanna'anitti. Ta'us, barreefamni Masoratikii fi gaalicha Septuwajentiin dheekamsa Yaahiwwee wajjin wal-qabsiisu, sabicha irratti yeroo kanatti (Faru. 95:10). Barreesitootni kakuu haaraa yaada hafuuraan liqimfamuudhaan yeroo hundumaa kakuu moofaa tapha jechoota barsiisootaa hiiku. Kunis kennamu keenya kan ammayyaa kan raasuu dha, yaada barreessichaatiif, kitaaba qulqulluu hiikuun akka karaa sirritti. Nuyi eyyammuutu nurra jiraata, barreesitootni kakuu haaraa kakuu moofaa fayyadamuudhaaf mirga akka qaban, kunis immoo hiiktoota ammayyaatiif karaa sirrii fakkaatee yoo itti hin mul'annes. Barreesitootni yaada hafuuraatiin liqimfaman galumsa xin-hiikaa yeroo lammaffaa baasuu hin dandeenyu.

**3:10 "Dhaloota kanas itti dheekamee"** dheekamsii Yaahiwweeti fi firdiin fakkeenya wayyuu Lak. 14:11, 22-23, 27-30, 35 irratti argama.

▣ **"Beekuu"** jechi Ibirootaa walitti dhufeenya matayyaa qabiyyee jedhu qaba (Uma. 4:1, Erm. 1:5), waa' ee nama tokkoo yookaan waa'ee waan tokkoo dhugaa jiru osoo hin taane. Amantaan kitaaba qulqulluu lammanuu qabu qabiyyee kan dhugaa ta'e (dhugaa) fi qabiyyee matayyummaa "amananaa".

▣ **"Karaawwan koo"** Ibiroota irra wal fakkeenyootni baay'een jiru, seera Waaqayyoo eeruudhaaf (Faru. 19:6-9, 119). Fedhi Waaqayyoo isaaniif ifaa ture (jechuunis, kan kakuu moofaa Isiraa'eelonni), ta'us garuu eyyamanii tuffatan. Kana ture rakkoon Yihudoota warra hin amaninni, fudhatootni Ibirootaa. Ergaan Yesus "karaawwan Waaqayyo" kan ba'e (jechuunis, Mat. 5:21-48, Mar. 7:19, 10:5-6). Isaan amantoota Yihudootaaf ulfaataa ture, Musee dhiisuudhaan ergaa ergamaatiin "kakuu haaraa" raawwatanii amanachuu (Erm. 31:31-34, Hiz. 36:22-38) guutuu guutuutti gocha namaa irraa kan adda ba'e!

**Mata-duree addaa: Jechoota Mul'ata waaqayyoo ibsan (Macaafa See. Kees. Deeb. Fi macaafa Far gargaaramuudhaan)**

I. "Seera" BDB 349, "galmee seera qabeessa" Heera yookaan akkaataa seeraa"
  A. Dhira חק - Kes. . 4:1568144045 5:1 6:12425 7:11 11:32 16:12; 17:19 26:17 27:10 Faar. 2:7 50:16 81:4 99:7 105:1045 148:6
  B. Dhalaa חקה - Kes. 6:2 8:11 10:13; 11:1 28:1545 30:1016 Faar. 89:31 119:5, 8 12, 16, 23, 26, 33, 48, 54, 64, 68, 71, 80, 83, 112, 124, 135, 145, 155, 171

II. "Seera" BDB 435 "Qajeelfama"
  - Kes. 1:5 4:44 17:111819 27:3826 28:5861 29:2129 30:1031:9 Faar. 1:2 19:7 78:10 94:12 105:45 119:118 29, 34, 44, 51, 53, 55, 61, 70, 72, 77, 85, 92, 97, 109 113 ,126, 136, 142, 150, 153, 163, 165, 174

III. "Dhuga baatota" BDB 730 "Seerota waaqa irra kennaman"
  A. Kan hedduminaa צדוה - Kee. Deeb. 4:45 6:1720 Faar. 25:10 78:56 93:5 99:7 119:22244659 79 95 119 125 138146152167168
  B. צ דת yookaan צ דת - Faar. 19:7 78:5, 81:5, 119:2, 14, 31, 36, 88, 99, 111, 129, 144, 157

IV. "Qajeelfama" BDB 824, "itti-gaafatamummaa"
  Faar. 19:8, 103:18, 111:7, 119:4, 15, 27, 40, 45, 56, 63, 69, 78, 87, 93, 94, 100, 104, 110, 128, 134, 141, 159, 168, 173

V. "Abboommota" BDB 846
  -Kee. Deeb. 4:2, 40; 5:29; 6:1, 2, 17, 25; 8:1, 2, 11; 10:13; 11:13; 15:5; 26:13, 17; 30:11, 16; Faar. 19:8; 119:6, 10, 19, 21, 32, 35, 47, 48, 60, 66, 73, 86, 96, 98, 115, 127, 131, 143, 151, 166, 176

VI. "Murtoowwan/ BDB 1048, "qajeelfamoota" yookaan "Haqa"
  - Kee. Deeb. 1:17, 4:1, 5, 8, 14, 45; 7:12; 16:18; 30:16; 33:10, 21; Faar. 10:5; 18:22 19:9; 48:11; 89:30; 97:8; 105:5, 7; 119:7, 13, 20, 30, 39, 43, 52, 62, 75, 84, 102, 106, 120, 137, 149, 156, 160, 164; 147:19; 149:9

VII. "Karaa isaa" BDB 202 qajeelfamni Yaawee saba isaatiif tooftaa jireenyaati Kee. Deeb. 8:6; 10:12;
  - 11:22, 28; 19:9; 26:17; 28:9; 30:16; 32:4; Faar. 119:3, 5, 37, 59

VIII. "Sagalee isaa"
  A. BDB 202 - Kee. Deeb 4:10, 12, 36; 9:10, 10:4, Faar. 119:9, 16, 17, 25, 28, 42, 43, 49, 57, 65, 74, 81, 89, 101, 105, 107, 114, 130, 139, 147, 160, 161, 169
  B. BDB 57
    1. "Sagalee" - Kee. Deeb. 17:19; 18:19; 33:9; Faar. 119:11, 67, 103, 162, 170, 172
    2. "Abdii" - Faar. 119:38, 41, 50, 58, 76, 82, 116, 133, 140, 148, 154
    3. "Abboomii" - Faar. 119:158

**3:11 "Dheekamsa kootiin akkan kakkadhee"** dheekamsi Waaqayyoo akka kitaaba qulqulluutti dhugaa dha, akka jaalala Waaqayyoo. Taa'utu irra jiraata, ta'us, lammanuu fakkiduu namaati, miiroota namootaa fi jechoota fayyadamu. Isaan dhugumatti waa'ee Waaqayyoof dhugaa dha, bakka ga'umsaa miti malee. Waaqayyo bifa gahaadhaan ofii isaa nuuf mul'iseera, ta'us garuu waa'ee Waaqayyoo baay'een jiru, nuyi fudhachuu kan hin dandeenye, sichi ammas yeroof, kan foonii, dhugaa cubbuu keessaa utuu jirru.

**Mata duree addaa: Waaqayyo akka namaatti mullateera** (ANTHROPOMORPHIC LANGUAGE)

I Qooqi akkasii kun Kakuu Moofaa keessaatti baayyee beekamaadha (fakkeenya yartuu)

A. Buusaa qaama foonii

1 Ijoota- Seera Uumamaa 1:4, 31;6:8;Bau33:17;Seera lakk.14:14;Seera keessa deebi 11:12;Zakariyaas 4:10
2 Harkoota- Bau15:17;Seera lakk.11:23;Seera keessa deebii 2:15
3 Irr'ee- Bau6:6, 15:16; Seera keessa deebi 4 34, 5:15, 26:8
4 Gurroota- Seera laak. 11:18;Samu'eel isaa duraa 8:21; macaafa motoota isaa 2ffaa 19:16 Faarfannaa 5:1;10:17;18:16
5 Fuula- Bau33:11; Seera lakk. 6:25; 12:18; keessa deebii 34:10
6 Quba- Bau8:19 31:18; keessa deebii 9:10; Faarfannaa 8:3
7 Sagalee- Seera Uumamaa 3:8,10; Seeraa ba'uu 15:26, 19:19; keessa deebii 26:1727:10
8 Miillota- Bau24:10;Hiziraa 43:7
9 Bifa namaatiin- Bau24:9-11; Faarfannaa 47; Isayaas 6:1; Hiziraa 1:26
10 Ergamaa Waaqayyoo- Seera Uumamaa 16:7-13; :11-15;31:11, 13;48:15-16, Bau3:4;13:21;14:19; Abboota firdii 2:1;6:22-23;13:3-22

B. Goochaawwaan foonii

1 Uumamaa uumu isaa itti imuu- Seera uumama 1:3;6:911:1420:24:26
2 Tarkaanfachuu (sagalee isaa) Eedeen keessatti- Seera uumama 3:8, Lew 26:12, keessa deebi 23:14
3 Balbala Bidiruu Nohii cufuu isaa- Seera uumamaa . 7:16
4 Haarsoo urgeefachuu isaa –seera uumamaa 8:21; Bau29:18,25;Lew 26:31
5 Bu'uu – Seera uumamaa 11:5;18:21;Bau3:8, 19:11,18:20
6 Musee hawwaaluu isaa Keessa deebii 34:6

C. Miira namummaa (fakkeenya yartuu)

1 Gaabbuu- seera uumamaa 6:6,7; Bau32:14; Abboota firdii 2:18;Samu'eel isaa duraa 15:29,35; Raajii Amoost 7:3,6
2 Dheekkamuu (haariidhaan)- Bau4:14, 15:7;Seera lakk.11:10,12:9,22:22, 25:3,4,32:10,13:14,keessa deebii 6:15,7:4;29:20
3 Innaaffaa- Bau20:5,34:14;Keessa deebii 4:24,5:9,6:15,32:16,21, Iyyaasuu 24:19
4 Jibba/ciiga'uu- Lewwota 20:23, 26:30;keessa deebi 32:19

D. Jechoota maatii (fakkeenya yartuu)

1 Abbaa
   a. Kan Isiraa'el- Bau4:22; Seera keessa deebii 14:1; Isayaas 1:2;63:16,64:8
   b. Kan mootii Samu'eel isaa 2ffaa 7:11-16, Faarfannaa 2:7
   c. Fakkeenya gochaa abbummaa- Seera keessa deebii 1:31,8:5, Faarfannaa 27:10, Fakkeenya 3:12, Raajii Irmiyaas 3:4,22;31:20, Raajjii Hosee 11:1-4,Raajjii Miikiyaas 3:17
2 Maatii- Raajii Hosee 11:1-4
3 Haadha- Faarfannaa 27:10 (fakkeenya haadha harma hosiiftuu) Isayaas 49:15,66:9-13
4 Dargaggessa jalalleef amanamu- Raajjii Hosee 1-3

II Sababa fakkeeny qooqa akkasii fayyadamuu

A. Ilmaan namootaati of mul'isuun Waaqayyoof barbaachisaa sababa ta'eef yaadii Waaqayyoon akka "dhiiraati"fudhachuun kan babalate, sababiin antrpomorfiik ta'eef Waaqayyo hafuura waan ta'eef.
B. Waaqayyoo kan inni fudhatu bifa jireenya namoota isaa ittin mullisuuf fayyadama.Ilma nama isa kufeef (Abba, haadha, maatii, fi jaalalleedha).
C. Ammam iyyuu yoo barbaachisa ta'e, Waaqayyo ofii isaa boca qaama kamiin iyyuu daangessuu hin fedhu (Bau20,Seera keessa deebi 5)
D. Raawwatamni antromorfikaa foon uffachuu Yesuusidha. Waaqayyoo foon uffate, kan harkaan qaqabamus ta'e (Erga Yohanis isa duraa 1:1-3). Ergaan Waaqayyoos sagalee Waaqayyoo ta'e (Wangeela Yohaniis 1:1-18).

⊡ **"nan kakadhee"** Waaqayyo yeroo hundumaa mataa isaatti kakata, bifa sirrii ta'een sagaleen isaa dhugaa akka ta'e cimsuudhaaf, asitti garuu bifa alta'aadhaan (4:3), kunis of-eegachiisa isaatii fi bu'aa abbomamuu diduu mirkaneessuudhaan.

▣ **"Gara boqonnaa kooti hin galan"** kun gar-tokkee ramaddii haaraa tokkoffaa dha, guduunfaa jiru, ta'us garuu tokkummaan al-ta'aa. "Boqonnaa" jechi jedhuu boqonnaa 3 fi 4 irratti karaa adda addaa 4n faayidaa irra oolera.

1. Uma. 2:2 irratti boqonnaa Waaqayyootiif faayidaa irra ooleera, uumama guyyaa torbaffaatti (4:3, 4, 10)
2. Lak. 13 fi 14 irratti Iyyaassuun saba isaa gara biyyatti abdiitti fiduudhaaf faayidaa irra ooleera (3:11, 18, 4:8)
3. Faru. 95:7-11 irratti inni guyyaa Daawitiif faayidaa irra ooleera, boqonnaan Waaqayyo amma iyyuu guutummaatti akka hin dhufne (4:1, 9-10)
4. Inni mootummaa Waaqayyootiif fakkiduudhaaf faayidaa irra ooleera (argamuu Waaqayyoo)

**3:12**

| | |
|---|---|
| **NASB, NRSV, NJB** | **"obboloonni of-eeggadhaa"** |
| **NKJV** | **"of-eeggadhaa"** |
| **NJB** | **"of-eeggadhaa"** |

Kun gocha xiyyaafataa ammaati, of-eeggachuudhaan itti fufuu! Innis amantiidhaan jalqaba irratti kan ta'u jireenya amantii qofa miti, isa guddaa yoo ta'es, garuu immoo dhuma isaatiis malee (boqonnaa 11)!!!

▣

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **"obboloota"** |
| **NRSV** | **"obbolootaa fi obboleetoota"** |
| **NJB** | **"obboloota"** |

3:1 yaadannoo jiru irratti ilaali. Maqaan kun kan inni eeruu Yihudoota amantoota fakkaata, ammam illee inni gosa abbummaa isaa yoo waamees.

▣ **"Lapheen hin amanne"** kun kan inni ibsuu amanaadha, Waaqa jiraataa kan dhiise. Lapheen amanaa hanga dhumaatti cimee kan itti fufuu dha (lak. 14 fi boqonnaa 11). "Lapheen hin amanne" gaaleen jedhuu ciigoo Ibirootaa argisiisa "laphee hin amanne" (4:6) akka "kufe", innis kan Ibirootaa *shuv* argisiisa ("deebi'uu" yookaan "naanna'uu").

▣ **"Waaqa jiraataa kan gansiisu"** gochi kun kan gocha amma hin murtaa'iniiti. Gochamni kun jecha ingilliffaa keenyaa "dhiisuu" burqaa dha. kun kan inni argisiisu amanuu dhiisuu itti hammaachaa deemee dha (innis 3:14 faallaa dha). Dubbifamni kun eenyu wajjiniin adeema (1)Yihuudoota amanan (2) Yihudoota hin amaniin? "obboloota" jechi jedhu fayyadamni isaa 3:1 irratti fi gaaleen dabalataa "hirmaattuu waamicha waaqa irraa" fi "obboloota" 3:12 irratti kan inni gaaffatu, amantoota kan inni argisiisu.

Egaa of-eeggachissi isaa kamii wajjin adeemaa: (1)fayyina yookaan (2)amanamummaa? Akka haala barreefamichaatti inni kan inni argisiisu amanamummaa dha, Yesus amanamaa ture, isaanis amanamoo ta'uu qabu. Ibirootni jireenya kristaanummaa kan inni ilaalu dhuma isaa irraati (lak. 14), jalqabara isaa irraa osoo hin taane (akka Phaawuloos).

Lak. 13 irra kan jiru "dhiisuu" wal qabachuun kan irra jiraatu itti fufee kan jiru amantaa fi amanamummaadhaa wajjin. Isra'eeloonni amantii qabu, ta'us garuu kan hojjetu, amantaa abboomamu miti. Isaan dammaa fi aannan kan dhangalaaftuu biyya abdii Waaqayyoo hin fudhanne, oduu basaastootaa fudhachuudhaan (lak. 13-14), amantaa Waaqayyo irratti qaban osoo hin taane. Akka haala barreefama kanaatti "dhiisuu" "amantaa irraa gara duubaatti jechuu" miti, ta'us garuu "amanamummaa irraa gara duubaatti jechuu dha" ! Ta'us, lamannuu amantaa fayya qabeessaaf barbaachisoodha. Mata-duree addaa 3:16-18 ilaali.

Waaqayyoo yeroo hundumaa gara keenya kan inni dhufuu walitti dhufeenya kakuutiin. Nuyis amantiidhaa fi amanachuudhaan deebii kennuutu nurra jiraata. Olaantummaan Waaqayyoo nuuf eyyameera, ka'umsa irraa murtoo keenyaa fi itti fufiinsa kan qabu duuka buu'ummaaa akka hirmaannu. Barreessaa Ibirootaa hordofuudhaaf hin rakkisa, sababni isaa

1. Foormulaa barsisootaati fi xiin-hiika waan fayyadamaniif
2. Garee lamaaf waan barreefameef
   A. Yihudoota warra amananiif
   B. Yihudoota warra hin amaniniif
3. Inni wabii kristaanaatiif mo'icha kan argisiisu haala madaalli amanamumaati, ta'es amantii irraa
4. Inni kan inni irratti xiyyaafatuu hanga xumuraatti amanamummaa jiru irratti (4:14, boqonnaa 11). Inni jireenya kristaanummaa kan inni argisiisu guduunfaa irratti, jalqaba irratti osoo hin ta'in.

"Waaqa jiraataa" gaaleen jedhuu, Waaqayyoo maqaan kakuu isaa Yaahiwween waamicha isaati, innis gochama Ibirootaa irraa "ta'uu" (Bau. 3:14). Mata-duree addaa: maqoota Waaqummaa 2:7 irratti ilaali. Dubbistooni kun Yaahiwwee hin dhiifne, ta'us garuu ciigoo kan inni ta'u wangeela Yesus Kristoos fudhachuu dhiisuu, amantii isaatti Yaahiwwee fudhachuu dhiisuu dha (1Yoh. 5:9-12).

## MATA DUREE ADDAA: KAN HINAMANNE (APHISTĒMI)

Jechi Giriikii aphistēmin kun akaakuuwwan xiin hiikaa bal'aa ni qaba. Haa ta'u malee, jechi Afaan Oromoo "hin amanne" jechuma kanarraa argamee dubbistoota hammayyaatiif itti fayydama ilaalcha gadhee akka qabaatu ni taasisa. Dubbifnu wlaiigalaa, akkuma yeroo hundaa, hiikkaa battalaa otuu hin ta'in furtuudha.

Inni kun firoomsee apo isa hiikni isaa "irraa" ykn "irraa fagaatee" fi hestēmi, "taa'uu" "dhaabachuu" ykn "qabsiisuu" jedhan walitti makameedha. Itti fayyadamoota (kan ti'oolojii hin taane) kanneen armaan gadii qalbeeffadhaa:

1. qaamumaan balleessuu
   a. mana qulqullummaati, Luq. 2:37
   b. Mana tokkorraa Mar. 13:34
   c. Nama tokkorraa, Mar. 12:12; 14:50; HoE 5:38
   d. Wantoota hundumarraa, Mat. 19:27,29
2. karaa siyaasaatiin balleessuu, HoE 5:37
3. sababa qabatamaadhaan balleessuu, HoE. 5:38; 15:38; 19:9; 22:29
4. seerumaan (hiikuun) balleessuu, Kes. 24:1,3 (LXX) fi Kakuu Haaraa, Mat. 5:31; 19:7; Mar. 10:4; 1Qor. 7:11
5. idaa balleessuuf, Mat. 18;24
6. dhiisuudhaan itti gaafatamummaa dhabuu argisiisuuf, Mat. 4:20; 22:27; yoh. 4:28; 16:32
7. gadhiisuu dhiisuudhaan itti gaafatama argisiisuuf, Yoh. 8:29; 14:18
8. eeyyamuuf ykn fedha argisiisuuf, Mat. 13:30; 19:14; Mar. 14:6; Luq. 13:8

Miira ti'oolojiitiin GOCHIMICHIS dabalataan itti fayydama bal'aa tokko ni qaba.

1. Haquuf, dhiisuuf, yakka cubbuu dhiisuuf, Ba'u. 32:32 (LXX); Lak. 14:19; Iyo. 42:10 fi Kakuu Haaraa Mat. 6:12, 14-15; Mar. 11:25-26
2. cubbuurraa deebi'uu 2Xim. 2:19
3. irraa fagaachuu dhiisuudhaan/ash godhu
   a. seericha, Mat. 23:23; HoE 21:21
   b. amanticha His. 20:8 (LXX); Luq. 8:13 2Tas. 2:3; 1Xim. 4:1; Ibr. 2:13

Amantoonni hammayyaa gaaffiiwwan ti'oolojii kanneen barreessitoonni Kakuu Haaraa waa'ee isaanii gonkumaa hin yaadin turan danuu isaanii ni gaafatu. Kanniin keessaa inni tokko ilaalcha hammayyaa amantii amanamummaa irraa adda baasuu wajjin walitti ni firooma ture.

Macaafa Quqlulluu keessatti namoonni kanneen namoota Waaqayyoonii fi wanta ta'e tokko keessatti hammataman ni jiru.

I. Kakuu Moofaa
   A. Kanneen warra basaastota kudha lamaan (kurnanii) dhaga'an, lakkoobsa 14 (cf. Ibr. 3:16-19)

B. Korah, Lakkoofsa 16
C. Ijoollee Eelii, 1Saamu'eel 2, 4
D. Saa'ol 1Sam. 11:31
E. Raajota sobaa (fakkeenyoota)
    1. Kes. 13:1-5, 18:19-22 (karaawwan itti raajii sobaa tokko beekan)
    2. Ermiyaas 28
    3. Hisqi'eel 13:1-7
F. Raajoota (dubartoota) sobaa
    1. Hisqi'eel 13:17
    2. Nahimiyaa 6:14
G. Dursitoota hamoota Isiraa'el (fakkeenyota
    1. Ermiyaas 5:30-31; 8:1-2; 23:1-4
    2. Hisqi'eel 22:23-31
    3. Mikiyaas 3:5-12

II. Kakuu Haaraa

A. Jechi Giriikii kun jechumaaf jechatti apostasizedha. Lamaanuu Kakuu Moofaanii fi Kakuu Haaraan itti abaasuu barsiisa hammeenyaa fi sobaa dhufaatii lamma duraa ni mirkaneessu (cf. Mat. 24:24; mar. 13:22; HoE 20;29, 30; 2Tas. 2:9-12, 2Xim. 4:4). Jechi Giriikii kun tarii jechoota Yesuus fakkeenya Biyyoo Maatewos 13, maarqoos 13 fi Luqaas 8 keessatti argaman calaqqisiisuu ni mala. Barsiisonni sobaa kunniin ifumatti kiristiyaanoota miti, garuu immoo isaan isuma keessaa ba'an (cf. HoE 20:29-30; 1Yoh. 2:19); haa ta'u malee, isaan amantoota akka waan gadhee hojjetanii fi hin guddanne gochuu danda'aniiru (cf. Ibr. 3:12).

Gaaffiin ti'oolojii barsiisonni sobaa yomiyyuu taanaan kiristiyaanotaa? Kan jedhuudha. Sababa waldootii amantootaa naannoo keessa barsiisonni sobaa jiraniif inni kun deebisuuf ni ulfaata (cf. 1Yoh. 2:18-19). yeroo baay'ee barmaatileewwan keenya kan ti'oolojii fi kan gartuu amantii ta'antu gaaffii kana dubbisa Macaafa Qulqulluu (tooftaa waraabbii dubbisaa gama tokkoo looguu nama tokkootiif ragaa ni ta'a jedhanii luqqisan irraa kan hafe) otuu hin eeriin deebisa.

B. Amantii ifa ta'ee;
    1. Yihudaa, Yoha. 17:12
    2. Simoon magnuu, HoE 8
    3. Kanneen Mat. 7:13-23 keessatti waa'ee isaanii dubbatame
    4. Kanneen Mat. 13, Mar. 4; Luq. 8 keessatti waa'een isaanii dubbatame
    5. Yihudoota Yoh. 8:31-59
    6. Himnewosii fi Iskindir 1Xim. 1:19-20
    7. Kanneen 1Xim. 6:21
    8. Himnewosii fi Pilaaxos, 2Xim. 2:16-18
    9. Demaas, 2Xim. 4:10
    10. barsiisota sobaa, 2Phex. 2:19-22; Yihudaa ww. 12-19
    11. farra Kiristoosotaa, 1Yoh. 2:18-19
C. Amantii ija hin qabne
    1. 1Qor. 3:10-15
    2. 2Phex. 1:8-11

Nuyi darbee darbeeti kan waa'ee kitaabota kanaa yaadnu, sababni isaas ti'oolojiin tooftaa keenya (calvinism, Arminianixm, kkf) deebiiwwan itti gaafatama qaban aarsaa godhaniifi. Maaloo sababan mata duree kana kaaseef dursitanii natti hinmurteessinaa. Itti gaafatamni koo adeemsa qindaa'ina sirrii ta'eedha. Nuyi Macaafni Qulqulluun akka nutti dubbatu gochuu qabna malee, gara ti'oolojii yeroo ammaatti isa bobbocuu yaaluu hin qabnu. Inni kun yeroo baay'ee kan nama dhikkubsuu fi nama naasisu sababni isaas ti'oolojiin keenya irra jireenyi isaa kan gartuuwwan amantii, kan addaa, ykn kan walitti firoomaa (warr, hiriyaa lubaa) malee kan Macaafa Qulqulluu miti. Namoonni Namoota Waaqayyoo keessaa tokko tokko gara Namoota Waaqayyoo ta'uu diisuutti ni jijjiiramu (Fak. Rom. 9:6).

**3:13 “Wali wali keessan gorsaa,”** kun gocha xiyyaafata ammaati. Amantootni hafuura qulqulluu fi ilma ilaaluutu irra jiraata, amantaa nama jajjabeessuu fi amanamummaa (10:24). Kun hundee wal fakkaataa dha *paraclete*, akka jecha jedhuutti, hiiki isaas “karaa cinaatiin gargaarsaaf kan waamu” akkasumas hafuuraaf faayidaa irra oola (Yoh. 14:16, 26, 15:26, 16:7) fi Yesusiif (1Yoha. 2:1).

▣ **“Har’a”** “har’a” Faru. 95 faayidaa irra kan inni oole, kan inni argisiisuu Waaqayyoon amanuu fi boqonnaa isaa barbaaduun yeroo jiruu dha, innis amma iyyuu banamaadha bara Daawititti akka ture. Barreessichi cimsa kan inni itti laatu ammi yeroo murtoo akka ta’ee dha, sababni isaa itti fufeenya kan qabu fudhachuu dhiisuun ija kan jaamsuu fi yeroon ilaaluun hin danda’amne waan dhufuuf (jechuun, dhiifmni kan hin godhamneef cubbuun Wangeelaatii fi Yoha. 1 irra kan jiru du’aan kan nama ga’u cubbuun).

Eenyu iyyuu yericha hin failanne, gara Waaqayyooti yeroo dhufu (Yoah. 6:44, 65). Filannoon keenya qophaan deebii kennu dha, fi batalumatti deebii laachuu. Itti fufiinsa kan qabu fudhachuu dhiisuu fi fedhii irraa kan ta’e amanuu dhiisuun laphee jabummaa hafuuraa nama irratti uuma (haala gocha hojii irra oole, “cubbuudhaan gowomfamuuf jabaachuu”) kun fedha Waaqayyoo miti, haa ta’u malee ta’I jedhee bu’aa fudhachuu dhiisuuti male. Amantiidhaan Gibxi kan gad-dhiisan sabni Waaqayyoo Abdii Waaqayyoo hin fudhannu jedhan, dhaala lafa abdichaatii wajjin kan wal qabate. Amantootni yeroo baay’ee gocha amanuu dhiisuu raawwatu. Ka’umsa amantaa itti fufiinsa qabu irraa akka gargar hin cinne of eegaadhaa (lak. 6, 14).

▣ **“Ta’us garuu isin keessaa eenyu iyyuu gowomsaa cubbuutiin laphee jabeessa akka hin taane”** kun haala kan ibsuu gocha hoji irra oolee dha. cubbuun namoomeera, laphee namaa diinni akka jabeessu. Dhugaan kun akkamitti akka dhi’aatu hubadhu:

1. Yaa obbolootaa of-eeggadhaa (Lak. 12)
2. Eenyu iyyuu akka hin qabaanne (lak. 12)
   A. Laphee hin amanne
   B. Waaqayyo irraa akka hin fagaanne
3. Wali wali keessan jajjabeessaa (lak. 13)
4. Cubbuudhaan laphee akka hin jabaanne (lak. 13)
5. Nuyi hirmaatoota, jabeessinee yoo qabanne (lak. 14

Kan akka kamii cimaa nama jajjabeessuu fi lakkoofsonni kun of-eeggachiisa laatu.

**3:14 “Hirmaatoota Kristoos taaneerra”** kun gocha xumurame kan argisiisuu dha. kunis guddina xumurame argisiisa le’iin addaan hin citne bu’aa ejjeennoo kan qabu.

▣ **“Akka”** kun ramaddii sadaffaa haala irratti hundaa’ee dha, innis gocha jabaa kan ta’e. Kunis of-eegachiisa kan biraadha kristaanoonni amantii isaanii jabeessani akka qabatan kan yaadachiisu (3:6, 4:14, 10:23).

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **“waabdii keenya hanga dhumaatti jabeessinne yoo qabannee”** |
| **NKJV** | **“amantii keenya jalqabaa hanga dhumaatti jabeessinee utuu qabannee”** |
| **NRSV** | **“amanti keenya hanga dhumaatti jabeessinnee yoo qabanne qofa”** |
| **TEV** | **“jalqaba irratti amanti qabnu hanga dhumaatti cimsinee yoo qabannee”** |
| **NJB** | **“amantii keenya jalqabaa jabaannee hanga dhumaatti utuu qabannee”** |

Kun xiyyaafannaa sabiriiti. Inni xiyyaafannaa isa guddaa kitaaba qulqulluuti, akka fayyinaa. Isaan bakka tokkotti walitti maxananiiru, kan kitaaba qulqulluu yaada madaalame (3:6, 4:14, Mar 13:13, Rom. 11:22, 1Qor15:2, Gal. 6:7-9, 1Yoh. 2:19, Mul. 2:7, 11, 17, 26; 3:5, 12, 21; 21:7). Mata-duree addaa ilaali: waabdii 2:2 irratti. Kan “hanga dhumaatti” mata-duree addaa 7:11 irratti ilaali.

Baay'een isaanii doktrinoonni kitaaba qulqulluu kan isaan dhufan diyaaleektii irraa yookaan paradoksi wal cinaati. Kitaabni qulqulluun kitaaba warra bahaati, innis qooqa fakkiidu kan fayyadamu, dhugaa labsii cimaadhaan kan ibsu, garuu achi irraas ta'uu danda'a jedhamee kan yaadamu kan faalaa labsiiwwani wajjin kan wal madaalchisu. Kanaaf dhugaan kan inni argamu finciltoota cicimoo lama gidduu galeessaati. Namoonni warra lixaa barreefama qulqulleessuu fedhu, Paradooksii garee tokko, kanaaf dhugaa akka Kitaaba fi safartuu isaati fincilaa godhu, inni tokkooffaan ibsa dhugaatti yeroo hiikan, kan biraa faallaa dhugaa osoo hin barbaadinii fi osoo hin ibsin. Karaa baay'eedhaan kun burqaa dhiibbaa isa guddaati, amanti hawaasaa kan ammayyaa warra lixaaatti! Gara gadi kan jiru mata-duree addaa ilaali.

## Mata duree addaa:Waabdii

Waabdiin (1) kan Macaafa Qulqulluu kan ta'e dhugaa dha, (2) Shaakala amntii amanaa tokkooti, (3) Haala adeemisaa jireenyaati.

A. bu'uurii waabdii kan Macaafa Qulqullu
   1. Amala Waaqayyoo abbaa
      a. Seera Uma 3:15; 12:3
      b. Faarsaa 46:10
      c. Yohaannis 3:16, 10:28-29
      d. Roomee 8:31-39
      e. Efesoon 2:5, 8-9
      f. Fillii 1:6
      g. 1 Pheexi 1:3-5
      h. 1 Yohanns 4:7-21
   2. Gocha Waaqayyoo Ilmaa
      a. Kadhata isa lubummaa kan isaa Yoh 17:9-24, keessattuu lak 12
      b. Bakka keenya du'uu isaa
         1) Hoji.erga 2:23
         2) Roome 5:6-11
         3) 2 Qoro 5:21
         4) 1 Yohha 2:2, 4:9-10
      c. Kadhata angafa lubaa (Yoha 17:12)
      d. Kadhata namaaf kadhachuu itti fufeenya qabu
         1) Roome 8:34
         2) Ibiroota 7:25
         3) 1 Yoha 2:1
   3. Gargaaruu Waaqa Hauura Qulqulluu
      a. Waamuu (Yoha 6:44, 65)
      b. Mallatteessu
         1) 2 Qoro 1:22, 5:5
         2) Efe 1:13-14, 4:3
      c. Mirkaneessuu
         1) Roomee 8:16-17
         2) 1 Yoha 5:7-13

B. Haa ta'uu malee namooti dirqamatti deebii kennutu irra jiraata,
   1. Amantootni dirqamatti cubbuu irraa deebi'uu qabu (qalbi jijiirannaa) figara Waaqayyooti karaa Yesus (amantii)
      a. Maariqos 1:15
      b. Yohaannis 1:12
      c. Hoji.erga 3:16, 19, 20:21
      d. Roomaan 10:9-13
   2. Galmi fayyinaa Kiristoosiin fakkaachuu ta'uu isaa yaadachuu

a.Roomee 8:28-29
b. Efeesoon 1:4; 2:10; 4:13

3. Waabdiin kan inni ittiin mirkaneeffamu akkaataa adeemsaatiin ta'uu ta'uu isaa yaadachuu
   a. Yaaqoob
   b. 1 Yohaannis
4. Amantootni dirqamatti amantitii itti fufuu qabu
   a. Maari 13:13
   b. 1 Qoro 15:2
   c. Galaa 6:9
   d. Ibiroota 3:14
   e. 2 Qoro 1:10
   f. Yihuuda 20-21
   g. Jechoota gara xumuraa irra jiran ergaa waldoota torbaaf barreeffaman kan Mulata 2-3

## MATA DUREE ADDAA: ARCHĒ

Jechi "handhuurri lafaa" jecha Giriikii archē, sana jechuunis "jalqaba" ykn "madda/bu'ura" wanta ta'ee jechuudha.

1. jalqaba tartiiba isa uumamee (cf. Yoh. 1:1; 1Yoh. 1:1; Ibr. 1:10)
2. jalqaba wangeelichaa (cf. Mar. 1:1; Fil. 4:15, 2Tas. 2:13, Ibr. 2:3)
3. dhuga ba'uumsa ijaan argame duraa 9cf. Luq. 1:2)
4. mallattoowwan jalqabaa (dinqiiwwan cf. Yoh. 2:11)
5. ilaalcha jalqabaa (cf. Ibr. 5:12)
6. dhugaawwan wangeelaa bu'ureeffachuudhaan wabii jalqabaa (cf. Ibr. 3:14)
7. jalqaba, Qol. 1:18; Mul. 3:14

Akka "ajajaa" ykn "aangootti" faayidaarra kan oolu akka ta'uuf dhufe

1. qondaaltoota namaa bulchaa jiranu,
   a. Wangeela Luqaas 12:11
   b. Wangeela Luqaas 20:20
   c. Roomaa 13:3; Tiitoo 3:1
2. aangoowwan ergamummaa
   a. Roomaa 8:38
   b. 1Qor. 15:24
   c. Efe. 1:21; 3:10; 6:12
   d. Qol. 1:16; 2:10,15
   e. Yihudaa 2. 6

Barsiisonni sobaa kunniin aangoowwan hunda, kan lafaas ta'ee kan Waaqaa ni xureessu. Isaan warra safuu hin beekneedha. Isaan Waaqayyo, ergamoota, abbootii taayitaa siiviilii, dursitoota waldaa kiristiyaanaa dura ofii fi fedhii isaanii dursisiisu.

**3:15 "akka"** kun kan biraa ramaddii saddaaffaa hima haalaati, akka lak. 14, innis gocha cimaa kan ta'e. Kunis Faru .95:7-8 kan eeramee dha, innis kan boqonnaa 3 xiyyaafannoo dha.

**3:16-18 "Hirmaattoota Kristoos taaneerra"** akkaatee gaaffii sadiitu lakkoofsota kan bira jiraatu (16, 17, 18). Fakkeenyi kun akkuma jirutti kan fudhatame, kan fakkaatu, lafa honaa keessatti kan du'an hunduu (lak. 14), Musee, Aaroon, fi daara Qoree irratti luboota amanaman dabalatee, hunduuu hafuuraan bara barummaa irraa badaeera jechuu dha. Kun ta'u hin danda'u. Kun tapha jechaati "boqonnaa" fi "abbomamuu dhiisuu." Isaan kun lamaan jechoota furtuu dha, akka haala barreefama kanaatti. Waaqayyo "boqonnaa" qaba warra amananiif (isa amanachuudhaan warra itti fufan), sichi "abboomamuu dhabuu" rakkina qabaata, lammanuuf warra amananii fi warra hin amanneef!

**3:19** lak. 19 irra kan jiru amanuu dhiisu kan argisiisu itti fufiinsa kan qabu kan Israa'eel amanti dhbuu dha, yeroo lafa honaa keessaa naannaa'uuti!

**GAAFFILEE MAREE**

Qajelfamni qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta'u, sana jechuunis garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaatti hiikuun itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. tokkoon tokkoon keenya ifa nu kennameen adeemuutu nurra jiraata. Hiktoonni jalqabaa si, kitaaba qulqulluu fi hafuura qulqulluu dha. kanas deebifteekan hiike irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Gaaffileen mare kun kan kennamana kutaa kitaaba kanaa dhimoota gurguddaa akka ta'utti akka qayyaabatu akka si gargaaruuf. Kana jechuunis akka ta'utti akka xiinxaltu si kakaasuuf malee kana qofaan akka daangooftu miti.

1. Yesus maaliif "ergamaa" jedhamee waamame, 3:1 irratti?
2. Kan "Boqonnaa" fayyadama adda addaa tarreessi.
3. "Sabirii qulqullootaa" ibsi.

# IBIROOTA 4
# HIIKAWWAM HAARAAWA RAMADDIWWAN KEEYATAA

| UBS[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Boqonnaan saba Waaqayyoof ga'uu<br>(3:7-4:13)<br>4:1-11 | boqonnaa Abdii<br>4:1-10<br>Jecha haala keenya ibsu<br>4:11-13 | Of eegachiisaa fi yaadachiisa<br>(3:7-4:13)<br>4:1-11 | Boqonnaan saba Waaqayyoof<br>(3:7-4:13)<br>4:1-7<br>4:8-11 | Gara bakka boqonnaa Waaqayyoo waa'ee<br>(3:7-4:13)<br>4:1-11 |
| 4:12-13 | | 4:12-13 | 4:12-13 | 4:12-13 |
| Yesus angafa lubaa isa guddaa<br>(4:14-5:10)<br>4:14-16 | Angafa Luba nuuf gaddu<br>4:14-16 | Yesus anga lubaa<br>(4:14-5:14)<br>4:14-16 | Yesus anga lubaa<br>(4:14-5:10)<br>4:14-16 | Yesus anga lubaa nuuf gaddu<br>(4:14-5:10)<br>4:14-16 |

**MARSAA DUBBISAA SADII (fuula vi ilaali kutaa seensaa)**
**YAADA BARREESSAA JALQABAA SADRKAA KEEYATAAN DUUKA BU'UU**

Qajeelmani qayyabannaa hiika yeroo ta'u, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu ofii keeti yeroo hiiktu itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kenameen deddeebi'uutu nurra jira. Hiiktooni jalqabaa si, kitaaba qulqulluu fi hafuura qulqulluudha. Kanaas deebifte hiiktota irratti jechama kan biraan akka hin fudhanne.

Boqonnicha of irra gadi taa'uu tokkoon dubbissi. Yaada-ijoowwan irratti. Yaada-ijoo kee ramaddiiwwan gara olitti tarreefaman hiika shanan wajjin wal bira qabi. Ibsi guutuun keeyaticha irratti argamuu yoo baatees hiiki yaada barreessicha jalqabaa ta'e inni guddaan irratti ni argama. Tokkoon tokkoon keeyataa yaada ijoo tokkoo fi tokko qofa qabateera.

1. Keeyata tokkoffaa
2. Keeyata lammaffaa
3. Keeyata sadaffaa
4. K.K.f…

**QABIYYEE AKKA YAADA BARREEFAMICHAATTI**

**A.** Barreessichi gara boodeetii fi fuulduraatti jechaa olaantummaa Yesusiin isa jabeessani qabachuu gidduu kan jiru of-eeggachiisaan socho'a.

**B.** Olaantummaan Yesus (kakuu haaraa) kakuu moofaa irratti
1. Inni mul'ata guddaa dha (Raajoota, 1:1-3)
2. Inni giddu galeessa guddaa dha (Ergamoota, 1:4-2:18)
3. Inni tajaajila irra ni caalaa (Musee, 3:1-6)
4. Inni luba irra ni caalaa (Aaroon, 4:14-5:10, 6:13-7:28)
5. Inni kakuu caaluu dha (kakuu moofaa, 8:1-13, 9:15-22)
6. Inni mana qulqullummaa caaluu dha (mana qulqullummaa, 9:1-11, 23-28)
7. Inni aarsaa fooyya'aa dha (Beeladoota, 9:12-14, 10:1-18)
8. Inni gaaraa fooyya'aa dha (kakuu moofaa akka gaaraa Siinaa fi kakuu haaraa akka gaaraa Tsiyoon 11:18-29)

**C.** Akka gudduummaa Yesusitti of-eeggachiifni tarreefaman jiru, wangeela isaanii haala fudhaachuu dhiisuutiin (jechuunis, kakuu haaraa, Erm. 31:31-34, Hiz. 36:22-38) yookaan gara Yihudummaatti deebi'uu (jechuun, kakuu haaraa).

1. 2:1-4
2. 3:7-4:13
3. 5:11-6:12
4. 10:19-39
5. 12:14-29

## QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE

**IBROOTA 4:1-13**

**1Iddoo boqonnaa isaatti galuudhaaf abdichi amma iyyuu waan hin raawwatamin jiruuf, isin keessaa namni tokko illee booddeetti kan hafee fakkaatee akka hin argamnetti, kottaa sodaachaa in eeggannaa! 2Misraachoo isuma nutti himametu isaanittis lallabame; ha ta'u iyyuu malee, isaan warra amantiidhaan dhaga'antti waan hin dabalaminiif, dubbichi dhaga'ame sun isaan hin gargaarre. 3Ammas nuyiwarri amanne iddoo boqonnaa sanatti in galla. Waaqayyo hojii biyya lafaa uumuu isaatii raawwateera; isaaniin garuu, "Yeroo dheekkamsa koo sanattis 'Isaan matumaa iddoo boqonnaa kootti hin galan' jedhee kakadheera" jedhe. 4Waa'ee guyyaa torbaffaatiif immoo iddoo tokkootti, "Guyyaa torbaffaatti Waaqayyo hojii isaa hundumaattii boqoteera" jedhameera. 5Yeroo dheekkamsa isaatti immoo, "Isaan matuaa iddoo boqonnaa kootti hin galan" jedhee dubbateera. 6Amma warri boqonnaa sanatti galuudhaaf abdii qaban jiru; warri duraan misirachoon itti himame sun immoo sababi amanuu didaniif, iddoo boqonnaa sanatti hin galin hafan. 7Kana irrattis immoo Waaqayyoo guyyaa "Har'a" jedhamu tokko in dhaaba; akkuma kanaan dura as kessatti yaadachifame bara dheeraa booddee karaa Daawit, "Har'a, sagalee Waaqayyoo yeroo dhageessan, isin mataa- jabeeyyii hin ta'inaa!" in jedha. Iyaasuun iddoo boqonnaa sanatti utuu isaan galcheera ta'ee, Waaqayyo ergasii waa'ee guyyaa kan biraa hin dubbatu ture. 9Egaa boqonnaan sanbata Waaqayyoo saba isaatiif amma iyyuu kaa'ameefii jira. 10Namni boqonnaa Waaqayyootti galu, Waaqayyo hojii isaa irraa akkuma boqote, innis immoo hojii isaa irra in boqota. 11Kanaafis namni tokko illee akka warra sanaa abboomamuu diduudhaan kufee akka hin hafneetti, kottaa iddoo boqonnaa sanatti galuudhaaf in dhamaanaa! 12Dubbiin Waaqayyoo jiraataa dha, humna hojjetus of keessaa qaba, billaa gar lamaan qarame caalaa qara qaba; inni lubbuufi hafuura, buusaa fi akeeka garaa namaas qoree faraduudhaaf in danda'a. 13Wanti Waaqayyo uume tokko illee isa duraa dhokachuu hin danda'u; wanti hundinuu saaqamaa ija isa durattis mul'ataa dha; nus waan goone sababii isaa wajjin isatti himuun nu irra jira.**

**4:1**

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **"sodaa"** |
| **NRSV, TEV** | **"of-eeggadhaa"** |
| **NJB** | **"of-eeggadhaa"** |

Gochamichi raawwii gochaati (kan mirkaneessu) haala kan ibsu ("haa sodaannu"). Of-eeggachiifni Ibirootaa (2:1-4, 3:7-13, 4:1-13, 5:11-6:12, 10;26-39, fi 12:14-17) miira sodaa uumu (lak. 11). Isaan of-eeggachifni kun dhimmoota ga'umsaa fayyinaatii fi waabdii tuqu.

▣ **"Gara boqonnichaatti galuuf abdiin keenya sichi nu hafee yoo ta'e,"** kun itti fuffiinsa kan qabu tapha jechaati (jechuunis, "gara boqonnichaa," lak. 1, 3, 5, 9, 10, 11) barreesichi tooftaa xiin-hima barsisootaa kan fayyameef, seenaa fi abdii saba Waaqayyoo kutaa afran ibsuudhaaf.

1. Uma. 2:2, boqonnaa Waaqayyoo uumama irratti guyyaa torbaffaatti
2. Lak. 13-14, boqonnaa Iyyaassuu innis biyyatti abdii
3. Faru. 95:7-11 boqonnaan Waaqayyoo yeroo Daawittittis argamaa ture
4. Lak. 1 fi 10-11 guyyaa boqonnaa akka waabiiti, Waaqayyo wajjin akka nagaa jiruu fi akka jireenya Waaqayyoo wajjin jiruu (mootummaa Waaqayyoo)

▣

**NASB, NKJV** **"kan hin geenye fakkaate akka hin mul'anne"**

| | |
|---|---|
| **NRSV** | **"akka hin geenye fakkaatee akka hin mul'anne"** |
| **TEV** | **"boqonnaa abdii kan hin fudhanne fakkaatee akka hin mul'ane"** |
| **NJB** | **"gara iddoo boqonnaatti galuudhaaf baay'ee kan turee akka hin taane"** |

Kun kan inni calaqqisiisu jecha Ibirootaa *chatha* ("mallatticha dogogoruu") yoo ta'u, *hamartia* kan jedhuun Septuwajentiitti hiikameera, hiiki isaas "ga'uu dhabuu" yookaan "hir'ina") (12:15, Rom. 3:23). Hiiki walitti dhufuu "baay'ee turuu" dha (NJB).

**4:2 "Kan nuuf lallabamee Misirachoo gaariitu jira"** kun kan inni argisiisu Wangeela Yesus Kristoos dha, hunduu amantiidhaan kan fudhatan. Kristoosiin fuuldura inni kan inni eeruu sagalee Waaqayyooti, innis kakuu moofaatti karaa adda addaatiin kan kenname (jechuunis, "mukichatti hin nyaatin", "taboota hojedhu", "gara lafichaatti ana duukaa bu'I", "seera isaa eegi", "gara biyyatti abdiitti gali," k.k.f). Tokkoon tokkoon namaa yookaan gareen Waaqayyoon amanuutu irra jiraata, amantiidhaan deebii kennuuti irra jira (jechuunis, gochuu) sagalicha isaaniif. Ba'uu irratti kan amanan Iyyaassuu fi Kaaleeb turan. Isaan Sagalee Waaqayyo amanan, waa'ee biyyatti abdii, Israa'eelooni baay'een hin dandeenye.

▣ **"Isaanis dabalataan"** kun kan inni argisiisu Israa'eeloota basaftoota kurnan oduu alta'aa kan dhaga'aan. Ta'us, Iyyaassuu fi Kaaleeb abdii Waaqayyo hin shakkine, biyyatti abdii akka mo'an (Lakk. 13-14), amantii garuu qabu turan, kanaaf Kanaa'an galuu danda'an, warra hin amannee hiri''ootni isaanii garuu hin dandeenye.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"kan dhaga'aan dhageefattoota wajjin amantiidhaan wal simachuu dhabuu isaa irraa kan ka'e"** |
| **NKJV** | **"kan dhaga'aan dhageefatoota wajjin amantiidhaan waan wal hin simneef"** |
| **NRSV** | **"kan dhaga'aan amantiidhaan kan dhaga'aan wajjin sababa wal simuu dhiisuu isaaniif"** |
| **TEV** | **"amantiidhaan waan hin fudhaneef"** |
| **NJB** | **"waan dhaga'aan wajjin amantiidhaan sababa hin hirmaanneef"** |

Gaalee kana irratti barreefamni harkaa Girikii garaagarummaa qaba. Kan fooyya'ee dubbifama mirkaneefame gocha xumurameee ta'uu danda'aa jedhamee kan yaadamu akka dhiiraatti, keeyata qaba, inniis amantii Iyyaassuu fi Kaaleb kan argisiisu (NASB, NKJV, NRSV, REB). Kan biraan fillannoon gochama xumuramee bakka jirutii kan saala dhiiraa keeyata qeenxee, innis argisiisuu kan inni danda'u ergaa dhaga'aame irratti amantii qabnuu dha (TEV, NJB, NIV).

Dhimmi barumsa hafuuraa amantii of keessatti qabata (fayyina) yookaan amantii dhabuu, beektoonni Israa'eel (waggaa 20 oli) isaanis Ba'utti hirmaatan. Oduu basaastootaa irratti amantii dhabuu isaanii ta'uu kan danda'u (1) Kanaa'aaniin akka hin galee dhorkamuu isaanii yookaan (2)mootummaa Waaqayyoo akka hin galee dhorkamuu isaaniitii? Gaaffii kana deebbisuudhaaf salphaa miti, barreessichaan jecha "boqonnaa" jedhamu galumsa irraa kan ka'e. Kan fooyya'ee ta'uu kan inni danda'u Yaahiwwee irratti kan isaan qaban amantii jabeessuudhaaf, (jechuunis, fayyina), ta'us garuu kan isaa tokkoon tokkoon abdii isaati amanuu akka hin dandeenye fudhachuun ni danda'ama (jechuunis, Kanaa'aaniin fudhachuu). Kun jaarraa tokkooffaa wajjin kan wal qabatu gaaffii barbaachisaa dha. Sabirii dhabuun isaanii raawwatee mallattoo fayyina dhabuu isaanitii yookiis inni dadhabbii amantii isaanii argisiisaa? Yaada bal'aa Ibirootaa irratti tarreefama yaada bal'aa addunyaaleessaa isa haaraa, F. F. Birus akka jedhuutti, "tokkuummaan raawwii isaati ifa dha: wangeela dhaga'uuf ofi isaatti fayyina kan fidu miti, ta'us garuu amantiidhaan fudhachuu dha malee, kanaaf amantii qajeelaa, amantii jabaa ta'a" (fuula 73).

**4:3 "akka inni jedheetti"** kun kan xumuramee gocha kan argisiisu ta'uu, innis irra deddeebiin faayidaa irra kan oole sagalee qulqulluu yaada hafuuraan liqimfame argisiisuudhaaf (1:13, 4:3, 4, 10:5, 9, 13:5), innis Waaqayyo abbaa yookaan Waaqayyo ilma argisiisu kan danda'u.

▣ kun Faru. 95;11 (akka lak. 5 fi 3:11) kan eeramee dha, garu dabalataan kakuu moofaa kan eeruu dha gara boodeetti Uma. 2:2 kan argisiisu, dilbata Waaqayyo (guyyaa torbaffaa boqonnaa dilbataa).

**4:4 "Bakka tokko akka jirutti"** kun kan inni calaqqisiisu ciigoo barsiisotaati, guutuummatti kakuu moofaan yaada hafuraan liqimfamuu amanuun (2:6). "Bakka" (jechuunis, bakka sirri barreefamaa) fi "tokko" (jechuunis, kan barreefamichaa barreessaa namaa), Waaqayyoo guutummaa sagalee isaa barreessumaa isaan fudhachuu caalaa fayyida qabeessa hin ture. Kana jechuun barreessichi waabi kakuu moofaa eessatti akka ta'e hir'aanfateera kan jedhu tokkummaa hin kennu .

▣ **"Guyyaa torbaffaa"** barsisootni kan isaan mirkaneessaan dilbata Waaqayyoo (jechuunis, "guyyaa boqonnaa") raawwatee hin dhaabne, sababni isaas, foormulaa dhaabataa seera uumamaa , "galgalas ta'e ganamas ta'e, guyyaa…." Uumama guyyaa torbaffaa kana wajjin raawwatee hin eeramne, Uma. 2:2, 3 (Bau. 20:11).

**4:5** kun kan Faarfannaa 95:11 kan waabeefatuu dha.

**4:6 "Abboomamuu dhabuu irraan kan ka'e"** amanti dhabiisni aboomamuu dhiisuudhaan beekama (3:18, 4:6, 11). Kan boqonnaa 4 inni guddaan akka haala barreefamichaa kan inni calaqqisiisu lak. 13-14 irratti kan galmaa'aan ta'iiwanii dha, ta'us garuu kan adda ta'ee sagalee qulqulluu kan waabeefatu Faru. 95:7-11 dha, innis Israa'eel Maaribaatti haala mudate wajjin kan wal qabatu.

"Abbomamuu dhabuu" jechi jedhu barreefama harkaa Girikii durii qubee gurguddaa geengooo yoo ta'u, A, B, D, "amanuu dhabuu" dabalataan barreefama harkaa Paapiri $P^{46}$ fi barreefama harkaa durii geengoo dha ℵ.

**4:7 "Daawittitti yeroo dubbatu, "har'a" jedhee guyyaa tokko akka sichiiti lakkaa'a."** "lakkaa'aa" kan jedhu jechi Girikii jecha Ingilliffaatti "murta'aa" isaaf daangaa kennuu. "Daawitiin" barreefama Ibirootaa miti, kan Faru. 95:7-8, ta'us garuu Septuwajentiin sirritti hiikee kaa'eera, barreessaa faarfannaa baratamee. Walfalmiin barreessicha kan irratti hundaa'ee boqonnaan Waaqayyoo sichi banaa ta'uu isaati, bittaa Daawitinis yo ta'e.

Faarfannaa 95:7-11 yeroo baay'ee eerameera, boqonnaa 3 fi 4 haalli qabiyyee barreefamichaa. Yeroo adda addaatti kan adda ta'e kutaan dubbifama kakuu moofa xiyyaafannaa nutti kenneera (akka lallabaatti).

1. 3:7-11 xiyyaafannoo kan inni kennu "laphee keessaan hin jabeessinaa" kan Faru. 95:8
2. 3:15 xiyyaafannoo kan inni kennuu "yeroo natty dheekamanitti" kan Faru. 95:9
3. 4:3, 5 xiyyaafannoo kan inni laatu "gara boqonnaa kooti hin galan" kan Faru95:11
4. 4:7 xiyyaafannoo kan inni kennu "Ha'ra" kan FAru 95:7

**4:8 "Akka"** kun kan rammaddii lammaffaa hima haalaati, innis yeroo hundaa kan waamamu "dhugaa wajjin kan wal fallaassu" kan jedhuun. Iyyaassuun hundumaa Ijoollee Israa'eel gara boqonnaatti isaan hin fidu. Kun "Boqonnaa" jecha jedhuu fayyadamuun, bifa Kanaa'aaniin miti, boqonnaa hafuuraa Waaqayyootiin male (lak. 9-10). Lak. 8-10 inni ifaa kan inni ta'u barreessaan Ibirootaa "boqonnaa" jecha jedhu kan inni fayyadamu karaa seena qabeessa sadiin/bifa barumsa hafuuraani dha:

1. Biyyatti abdii Kana'aan (lak. 8, guyyaa Iyyaassuu, Lak. 13-14)
2. Carraa Waaqayyon amanuu (lak. 9 jechuun, guyyaa Daawiit, Faru. 95)
3. Uumama 2 (lak. 4) boqonnaa Waaqayyo uumama irratti (lak. 10)
4. Mootummaa Waaqayyo (lak. 1 fi 2)

▣ **"Laphee"** mata-duree addaa 3:8 irratti ilaali.

▣ **"Iyyaassuu"** hiika Kingi Jamsi irraa "Yesus" kan jedhu qaba, kan Jenevaa fi kan Bishoop kiitaba qulqulluu duuka bu'ee, ta'us garuu haalli qabiyyee barreefamichaa kan kakuu moofaa "Iyyaassuu" fayyadama. Maqoonni lammanuu qubeen isaanii wal fakkaataa dha (jechuun, Yesus - Aramiffa)!

Waldaa kristaanaa ishee durii yeroo hundaa kan isheen fayyadamtu  Iyyaassuu dha, akka gosa Yesusitti (HoE. 7:45, achitis wal fakkaataa kan ta'e dogogorri hiikaa kan itti uumamee).

▣ **"Inni"** kun eeruun kan irra jiru kan Faarfannaa 95 barreessaa hafuuraati.

**4:9** kun guduunfaa barreessichaati, kan Faarfannaa 95 kan ibsu. Ka'umsa jalqabaa kan ta'u abdiin boqonnaa jira (Uma. 2:2), inni lammaffaan raawwii kan seenaa qaba (Iyyaassuudhaaf), inni sadaffaan carraa gara boodaa qaba (guyyaa Daawiit), dabalataannis carraa afraffaa qaba, abdii Waaqayyoo kamiifi iyyuu amantiidhaan raawwachuuf kan filatu. Barreessichi "saba Waaqayyoo" waamama jedhuu kan fayyadameef Kristoositti kan amanan akka ta'an hubadhu (Yihudii qofa osoo hin taane).

**4:10, 11** hunduu kan lakkoofsa 10-11 gochama gochaati, kunnis tokko (1)gocha xumurame argisiisuuf yookaa (2)jireenya hundumaa walumaa galatti argisiisuuf. Lakkoofsa 10 fi 11 ifa godheera lakkoofsa 10 irrratti kan jiru "Boqonnaa" mootummaa Waaqayyoo akka argisiisu. Amantootni guyyaa tokkoo damaqina isaanii ni dhaabu (Mul. 14:13), ta'us garuu lakk. 11 ifatti kan inni mirkaneessu, jireenya fooniitiin hanga jiraniitti amantootni amantiidhaan, qalbi jijjiranaadhaan, abboomamuudhaan, sabiriidhaan itti fufuun akka isaan irra jiru dha. lakk. 11 of-eeggachiisa cimaa dha. Fayyinni guutummaatti bilisa, hojii Kristoosiin xumurameen. Inni kennaa ayyaanaati, abbaa irraa kan ta'e, akkasumas hojii hafuura qulqulluu yakkuu irraa. Ta'us, olaantummaan sadan Waaqa tokkoo kan ta'e namoota wajjin hojjechuu filateera, walitti dhufeenya kakuun. Mucaan namaa deebii kennuutu isa irra jiraata, iti fufiinsaan deebbii kennuuf. Fayyinni tikeeti mootummaa Waaqayyoo miti, yookaan,  poolisi waabdii balaa abiddaa, ta'us garuu amantii fi walitti dhufeenya guyyaa guyyaa Waaqayyoo wajjin dha, kunis itti fufeenya kan qabu Kristoosiin fakkaachuu kan fidu! Kakuun isaa faayidawwanii fi dirqamaawwan qabu.

**4:11**

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **"gara boqonnichaatti galuudhaaf haa damaqnu"** |
| **NRSV** | **"gara boqonnichaatti galuudhaaf yaalii hundumaa haa goonu"** |
| **TEV** | **"boqonnicha fudhachuudhaaf waan fooyya'aa haa goonu"** |
| **NJB** | **"gara boqonnaa kanaatti galuudhaaf gara fuulduraatti ha deemnu"** |

Ingillizitti kun kan inni fakkaatu yaalii namootaati, gara boqonnaa Waaqayyooti galuudhaaf, ta'us garuu jecha Girikiin hiikni isaa "dheebootaa ta'u" "arifachuu"dha (2TAs. 2:17, 2Xim. 4:9).

▣ **"Egaa fakkeenya abboomamuu diduutti eenyu iyyuu akka hin kufne"** 3:18 fi 4:6 ilaali.

**4:12 "Sagalee Waaqayyo"** lakk. 12 fi 13 Girikiitti hima tokkotu hundeefama. Jecha (logos) jechi jedhu, Yesusiin akka nama dhuunfaatti hin argisiisu, Yoh. 1:1 akka jiru, garuu Waaqayyo kan inni dubbate (13:7) yookaan ergaa barreefamee dha, kitaaba qulqulloota kakuu moofaa yookaan mul'achuu kakuu haaraan. Kan Waaqayyoo of-mul'isuun isaa karaa sadiin ibsameera:

1. Inni namummeessa ta'eera, ofi isaati jireenya akka qabu
2. Inni darbee akka seenu humna billaa qaba
3. Inni hundumaa akka hin beekne abbaa murtooti (lak. 13)

Kibani kristaanummaa Yihuudii, H. E Danaa yaada isaa kenneera, fayyadama Gibxi Paapiresi irratti hundaa'ee, "jecha" (logos) jechuun "lakkaa'uu" yookaan "gara herregaatti galchuu" dha. Inni kan mirkaneessa, kan barreessaa jalqabaa yaada wali galaan akka wal simuu, jechuunis, lakkoofsi hafuuraa karaa qorannootiin ta'eera, fakkiduu ogeessa baqaqsuu fayyadamuun (fuula 227). Kanaaf barreefamni kun kan inni mul'ate labsi sagalee Waaqayyoo miti, ta'us garuu firdii kan Waaqayyoo yaadachuuti malee. Kun kan nama harkisuu dha, ta'us garuu barreessaan Ibirootaa logos kan inni fayyadamu sagalee Waaayyootiif (2:2, 4:2, 5:13, 7:28, 13:7).

▣ **"Jiraataa kan hojjetuu fi kan qarame"** kun kan inni calaqqisiisu yaad-rimee warra Ibirootaa kan ta'ee humna sagalee Waaqayyoo (Uma. 1:1, 3, 6, 9, 14, 20, 24, 26, Faru. 33:6, 9, 148:5, Isa. 40:8, 45:23, 55:11, 5:17-19, Mat. 5:17-19, 24:35, 1Phex. 1:23).

▣ **"Billaa kara lamaan qaramee caalaa kan qarame"** kun kan inni argisiisu humna itti fufaa sagalee Waaqayyooti (Yoha. 12:48 fi Mul. 1:6, 2:12, 16, innis waa;ee Yesus faayidaa irra kan oole).

▣ **"Lubbuu fi hafuura"** kun kan mucaa namaa ramaddii xiin-le'ii lamaa miti, ta'us garuu walitti dhufeenya lamaanii ti, kan lamaanuu addunyaa kanaa fi kan Waaqayyoo. Jechi Ibirootaa *nephesh* lamaanuuf mucaa namaatii fi bineensootaaf faayidaa irra yeroo oolu, uumama irratti, "hafuura" (ruah) garuu adda ba'ee mucaa namaatiif faayidaa irra kan oole. Sagaleen Waaqayyo mucaa namaa eenyumma isaa keessaa keessa darbee gala. Kun barreefama qulqulleessuu miti uumama namaa irratti, kutaa lama (kutaa lamaan) akka jiru yookaan kutaa sadii (kutaa sadii) le'ii (1Tas. 5:23). Mucaan namaa duraan dursee kitaabni qulqulluun kan bakka bu'ee akka gamtaati (Uma. 2:7). Guduunfaa fooyya'aa mucaa namaaf sadii ta'uu, lama ta'uu, yookaan yaad-rimee tokkummaa, kan Miilaad J. Irikseniin barumsa hafuuraa kristaanaa (maxansa lammaffaa ) fuula 538-557 fi Firaanki Istaang le'ii namaf yaada faallaa qabaachuu, ilaalcha kitaaba qulqulluutiin.

▣ **"Yaadaa fi miiraa laphee ni qora"** yaada Ibirootaatiin "laphee" guutummaa namaa fi yaada isaas bakka bu'a. Mata-duree addaa 3:8 irratti ilaali. Waaqayyoo amantii dhugaa fi sobaa ni beeka.

**4:13 "Wanti hundumtuu saaqamaa ija isaa durattis mul'ataa dha,"** Waaqayyoo nuun guutuu guutuuti nu beeka (1Sam. 16:7, Faru. 7:9, 33:13-15, 139:1-4, Fakk.16:2, 21:2, 24:12, Erm. 11:20, 17:10, 20:12, Luq. 16:15, HoE. 1:24, 15:8, Rom. 8:27).

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"ija isaa duraa"** |
| **NKJV** | **"saaqamaa fi ifaa"** |
| **NRSV** | **"saaqamaa fi mul'ataa"** |
| **TEV** | **"kan mul'atee fi banaa kan ta'e"** |
| **NJB** | **"kan hin uwwifamnee fi ifaa kan ta'e"** |

Fakkiduun kun akkuma jirutti hiikii isaa "maloolee ol qabuun morma mul'isuu" dha. kun fakkiduu kakuu moofaa abbootti seeraaf of-eeggachiisa, asitti inni kan inni argisiisu Waaqayyoo guyyaa firdiitti fuula fuulatti wal arguu dha, yaada keenya hundumaa kan beekuu.

## IBROOTA: 4:14-16

**14Egaa angafa lubootaa isa guddicha bantiiwwan waaqaa keessa darbe, Yesus ilma Waaqayyoo erga qabaannee, beeksisa amantii keenyaa jabeessinee in qabanna. 15 Cubbuutu irraa dhabame malee, angafa lubootaa isa karaa hundumaan akka keenya qorame qabna; isa dadhabbiin keenya garaa isaa hin rukunne garuu hin qabnu. 16Yeroo barbaachisetti akka nu gargaaraniif araara isaa fudhachuudhaaf, ayyaana isaas argachuudhaaf, kottaa ija-jabinaan gara teessoo Waaqayyo isa ayyaanaan guutuutti in dhi'annaa.**

**4:14 "Angafa lubaa isa guddaa"** barreessichi duraan dursee Yesusiin kan inni eere akka angafa lubaatti, 3:1-6 irratti. 3:7-4, 13 of-eegachiisaa fi yaadachiisa booda amma gara mata-dureetti ni deebi'a. Kunoo garee wal fakkaataa 5:11-16:12 of-eeggachisawwan duuka bu'a, akkasumas raawwii lubummaa Yesus 6:13-10:39 irratti ni ibsamu. Mata-duree addaa 2:17 irratti ilaali.

Kitaabni Ibirootaa qofaa isaa kiitaba kakuu haarati, Yesusiin "angafa lubaa" jedhee kan waamu. Kan barreessichaa kakuu Musee fi kakuu haaraa wal dorgomsiisuu itti fufa. Kunis namoota Yihudootaaf jabaachuu danda'a, fudhachuu fi hubachuuf. Yesus luba gosa Leewwii keessaa in ture .

Ta'us, Yesus "luba" jedhamee waamameera, 1:3, 2:17, 18, 3:1 irratti. Kakuu moofaatti Masihiin akka lubaatti kan eerame haala qabiyyee barreefamaa lama qofa irratti: Faru. 110 fi Zak 4, lammanuu kallattiiwwan mootummaa fi lubummaa qabu.

⊡ **"Gara waaqatti kan darbee angafa lubaa"** kun yeroo xumurameetti. Yesus waaqa keessa darbeera (3 yookaan 7 yoo ta'an), inni bakka abbaan argamuutti deebi'eera, kanaaf kan dhufaati isaa (akka namaa foon uffachuu) fi deemuu isaan (olba'uu), bu'aa qabaata. Kanaaf, amantooni amma ni danda'u, karaa isaatiin immoo gara waaqatti yeroo darban. Yaada Ginoostikiin, saamiwwan mooraa ergamootaa (uumama hafuuraa) ti, kakuu moofaatti garu kan ta'an

1. Qilleensa naannoo, simbiroonni kan irra bololi'an
2. Foddaawwan samii, bokkaan kan itti roobu
3. Samiiwwan urjii, kan aduu fi kan ji'aa
4. Bakka argama Waaqayyoo

Barsisootaan mareewwan baay'een godhameera, samiiwwan sadii yookaan torba waa'ee jiraachuu isaa (Efe. 4:10, 2Qor. 12:2). Gaaleen kun immoo barsiisootaan faayidaa irra ooleera, mana qulqullummaa waaqa irraa ibsuudhaaf, innis haala qabbiyyee barreefamaa kanaa wajjin bifa fooyya'aan kan wal simu (9:23-28).

## Mata duree addaa:-Samii

Kakuu Moofaa keessatti jechi "Waaqa" jedhu yeruma hundaa DANOOMA (i.e. shamayin, BDB 1029). Jechichi Ibruu "ol ka'uumsa" jechuudha. Waaqayyo iddoo ol ka'aarra jiraata. Yaadichi qulqullummaa fi hunda caalummaa Waaqayyoot calaqqisiisa.

Uma. 11 keessatti DANOOMNI bantiiwwan "Waaqaa fi lafaa" akka uumama Waaqayyoo (1) akka qilleensa banamaa pilaanetii lafaatii olii ykn (2) akka karaa dhugaa hundaa erutti (i.e, an hafuuraa fi kan foonii) ilaallamanii turaniiru. Hubannaa bu'uraatirraa kitaabileen kan biroo akka sadarkaalee Waaqaatti ragaadhaan ni eeru. "Waaq Waaqotaa" (cf. Far. 68:33) ykn "Waaqaa fi Waaqa Waaqotaa" (cf. Kes. 10:14; 1Mot. 8:27; Nah. 9:6; Far. 148:4). Barsiisonni tarii tilmaama kanneen armaan gadii ta'uu ni danda'a.

1. Waaqota lama (i.e. R.Yihudaa, Hagigah 126)
2. Waaqota sadii (Test. Levi 2-3; Ascen Isa. 6-7, Midrash Tehillim Far. 114:1 irratti
3. Waaqota shan (III Barunch)
4. Waaqota torba (R.Simonb. Lakish; 2Enoch 8; Ascen Isa 9:7)
5. Waaqota kudhan (2Enoch 20:3b; 22:1)

Kunniin hundinuu addaan ba'uu uumama ijaan arginu fi hundaa ol ta'uu Isaa Waaqayyoo argisiisuuf jechuufi ture. Barsiisummaa Yihudummaa keessatti lakkoofsi Waaqotaa beekamoon baay'ee kan baratame torba ture. A. Cohen, Everymanis Talmud (f. 30) geengoowwan astiroonomii wajjin walk an qabate ture jedha, garuu inni lakkoofsa torba jiraataa guutummaan guutuutti sirrii kan eeru natty ni fakkaata (ie., guyyootii uumamaa boqonnaa Waaqayyoo Uma. 1 keessatti bakka bu'an torbaan). Phaawuloos, 2Qor. 12:22 keessatti Waaqa "sadaffaa" (Giriikii Ouranos) karaa akka eenyummaa jiraachuu hund caalummaa Waaqayyo ibsaa jirutti ni eera. Phaawuloos Waaqayyo wajjin otuu hin yaadamin itti ba'ee ture!

⊡ **"Yesus"** kun bifa hundee sanyii ta'uu danda'a, Yesusiif akka Iyyaassuu isa haaraa. Maqaan isaanii raawwatee wal fakkaataa dha (jechuun, Iyyaassuu –Ibirootaan, Yesus _Araminyaan). Barreessaan Ibirootaa waantoota seera ba'uu irratti baay'ee eerera. Iyyaassuun saba Waaqayyoo gara boqonnaa biyyatti abdiitti akka fidu, akkasumas immoo Yesus gara mootummaa waaqatti fida.

⊡ **"Mucaa Waaqayyoo"** kun lammanuu waamama hafuuraa kakuu moofaa Yesus nama Naazireetiif faayidaa irra kan oole fi dabalataan barreessichaaf itti fufiinsa kan qabu xiyyaafannaan Yesusiif "mucaa" akka ta'e (1:2, 3:6, 5:8, 7:28). Namummaa Yesuusi fi hafuurummaaf wajjin xiyyaafannaan kan itti kenname akka tasaa miti (Hiz. 2:1 – nama, Dan. 7:13—hafuura). Kun utubaa guddaa kakuu haaraati waa'ee namummaa Yesus (Yoh. 1:1, 14, 1Yoha. 4:1-6).

▣ **“Amantii keenya cimsinee haa qabannu”** kun kan gocha haala yeroo ammaati. Kun itti fufiinsa kan qabu xiyyaafannaa dha, sabiriif barbaachisuummaan isaa (2:1, 3:6, 14). Murtoo ka’uumsa keenyaa madaaluutu nurra jiraata (Yoh. 1:12, 3:16, Rom. 10:13) itti fufiinsa kan qabu duuka bu’ummaa wajjin (Mat. 7:13-27, 28:19-20, Efe. 1:4, 2:10). Lammanuu gosa tokko! Amantiin amanamummaan argamuutu irra jiraata! “Amantii mul’ataa” jecha jedhu kan ibsuu 3:1 irratti yaadannoo jiru ilaali.

## Mata duree addaa: Barbaachisummaa ciminaa

Macaafa qulqulluu kan ta’ee hundee amantii, jireenya kiristaanoota wajjin kan wal qabatee ibsuudhaaf baay’ee rakkisaa dha, sababii isaa dhi’eenyi isaa adda kan ta’ee kan warra ba’aa faallaa lama ta’uu isaati. Isaan lamaan waan wal faalleessan fakkatuu garuu laamanuu macaafa Qulqulluu dha. Amantootni warra lixaa kan isaan baratee dhugaa isa tokkoo fudhatanii kan biraa beekumsa faallaa dhiisuun yookaan gadi qabuu dha. Mee isiniifaan ibsa.

1. Fayyinni Kristoosiin amanuudhaaf murtoo ka’umsaati yookaan guutummaa jireenyaa kennuu dha, bartuu ta’uu dhaafii?
2. Fayyinni Waaqa isa guddaa irraa kan ta’uu fillannoo ayyaanaati, yookaan kennaa Waaqummaa kan ilmii namaa amanuu fi deebii qalbi jijjiiraanaatii?
3. Fayyinni al tokkoo yoo fudhatan deebi’anii dhabuu kan in dandeenyee dha yookaanis itti fufeenya kan qabuu yaalii kan gaafatuu?

Dhimmi jabinaa seena waldaa kiristaana hundumaa kan wal falmisiisu ta’ee tureera. Rakkinichi kan ka’uu walummaa galatti kakuu haaratti kan argaman kan wal falleessan keeyata

A. Itti gaafatamummaa bareefamaa
   1. Dubbi Yesus dubbate (Yohannis 6:37, 10:28-29)
   2. Dubbii Phaawulos dubbate (Roomee 8:38-39, Effeessoon 1:13, 2:5, 8-9, Filliphoos 1:6, 2:13, 2 Tessoollonqee 3:3, 2 Ximootihos 1:12, 4:18)
   3. Dubbii Pheexiroos dubbatee (1 Pheexiroos 1:4-5).

B. Barbaachisummaa jabinnaa barreefama argisiisan
   1. Dubbi Yesus dubbate (Maatihos 10:22, 13:1-9, 24-30, 24:13, Maariqoos 13:13, Yohannis 8:31, 15:4-10, Mul’ata 2:7, 17, 20, 3:5, 12, 21)
   2. Dubbii Phaawulos dubbate (Roomee 11:22, I Qorontos 15:2, II Qorontos 13:5, Galaatiyaa 1:6, 3:4, 5:4, 6:9, Filliphuus 2:12, 3:18-20, Qollasihaas 1:23)
   3. Haasa barreesiitoota Ibirootaa (2:1, 3:6, 14, 14:14, 6:11)
   4. Dubbii Yohannis dubbatee (1 Yohannis 2:6, 2 Yohannis 9)
   5. Dubbii Waaqayyo abbaan dubbatee (Mul’ata 21:7)

Fayyinni macaafa Qulqulluu kan inni madduu oolantummaa Waaqayyoo sadan tokkoo kan ta’ee jaallala isaa irraa, haraara isaa irraa fi ayyaana isaa irraa. Namni kaamiyyuu yoo ta’ee kakasuu hafuura qulqullu irraa yoo ta’uu baatee fayyuu in danda’uu (Yohannis 6:44, 65). Waaqummaan dhufee yaada isaa ijaara, haa ta’uu malee namoonni amantii fi qalbi jijjiiranaadhaan deebii akka kennan nii gaafata, ka’umsaafiis ta’ee itti fufeenyaaf. Waaqayyoo ijoollee namaa wajjin walitti dhufeenya kakuutiin hojeta. Caroomuu fi itti gaafatamumaawwaan jiru!

Fayyinni ijoollee namaa hundumaaf kennameera. Du’ii Yesus Kiristoos kan ta’ee sababa rakkina cubbuu uumama kufeefi. Waaqayyoo karaa kenneerra, akksumas bifa isaatti kan hojeetaman hundumtuu jaallala kennee fi deebii kennaa akka kennaniif barbaade.

Nannoo mataduree kanaatii ilaalchaa Kalviin kan hintaane baayee dubbisuu yoo barbaade

1 Dale Moody, *The Word of Truth*, Eerdmans, 1981,1981(fuulaa.348-365)
2 Howard Marshall, *Kept by the Power of God*, Bethany Fellow ship, 1969
3 Robert Shank, *Life in the Son*, Westcott, 1961 ilaali.

Macaafni Qulqulluun naannoo kanatti rakkina adda addaa lama argisiisuu: (1) Ija kan hin qabne kan jiruu fi jireenya dhuunfaa kan ta’ee kan akka ragaa itti gaafatamummaa fudhachuu (2) Tajaajilaa fi cubbii jireenya dhuunfaa irratti walaansoo kan qaban jajjabeesuu. Fakkeenyichi kan jiruu garee dogogoroon kan ergaa dogogoree fudhachuu fi seera barumsa Waaqayyuummaa keeyata macaafa Qulqulluu murtaa’an utuu godhaniti.

Kiristaanoonni tokko tokko ergaa itti gaafatamummaa baay’ee utuu barabaadanii kan biroon immoo ofeegaachisa cimoo barbaaduu! Ati garee eenyuutii?

**4:15 “Dadhabbii keenyatti kan nuuf gadduu”** A. T. Robertsan wanti yaadamu qabu fillannoon hiika kan biraa kenna, “dadhabbii keenyaan rakkina kan fudhatu” (2:17-18). Yesus raawwatee amala cubbuu hin qabu kanaaf raawwatee cubbuuf kan kenneme hin ture, ta’us garuu inni qormaata dhugaatiif mul’atee ture, cubbuu mucaa namaa irraan kan ka’e.

▣ **“Kan qorame”** (peirazo) jechi jedhu “gara badiisaatti bifa ta’een qoramuu” hiika jedhu qaba (2:18, 3:9, 11:37). Inni keeyata gocha xumurameeti, ejjeennoo xumurammeef xiyyaafannoo kan kennu, karaa bakka bu’aa alaatiin, akka qoraa jiruutti. Jechi kun seexanaaf kan inni ittiin waamamuu dha (“qoraa”) Mat. 4:3 irratti (dabalataaniis Mar. 1:13 ilaali). Mata-duree addaa 2:18 ilaali.

▣ **“Cubbuudhaan ala waan hundumaan akka keenya”** Yesus Waaqa guutuudhaa fi nama guutuu dha, kanaaf nuun nu gargaara! Ta’us, inni mucaa namaa kufeen hameenyaa fi abbaa irra bilisa ta’uun itti hin hirmaatu (jechuunis, qulqulluu, cubbuun kan irra hin jirre, 2:17-18, 7:26, Luq. 23:41, Yoha. 8:46, 14:30, 2Qor. 5:21, Fil. 2:7-8, 1Phex. 1:19, 2:22, 3:18, 1Yoh. 3:5).

**4:16 “Kanaaf haa dhi’aannu”** kun kan ammaa giddu galeessaa (mirkaneessaa) haala kan ibsuu dha, innis abbaa sanaaf itti fufiinsa kan qabu of keessatti qabachuun xiyyaaffannoo itti laata, ta’uus garuu kan eegannoo wajjin. Kun jecha ogummaati Septuwajenti irratti (LXX) gara Waaqayyootti luba dhi’aatu. Ibirootaan jechi kun faayidaa irra kan oolu mucaa namaa kufeef dandeetii dha, sababa aarsaa Yesusiif gara Waaqayyootti waa’ee dhi’aachuu (4:16, 7:25, 10:1, 22; 11:6). Yesus duuka buutoota isaa “mootumaa lubaa” godheera (Bau. 19:5, 6; 1Phex. 2:5, 9; Mul.1:6).

▣ **“Gara teessoo ayyaana isaatti amantiidhaan”** “amanachuu” kan jedhuu hiiki isaa “bilisummaan ifatti dubbachuuf” dha. Bilisumaa qabana, fi kanaaf, iftoomina, gara argamuu Waaqayyooti karaa Yesus Kristoosiin (10:19, 35). Kunis wal fakkaataa dha mana qulqullummaa Herodis Yerusaaleemitti Yesus guyyaa inni du’e fakkeenya golgaan tarsa’eeti (Mat. 27:51, Mar. 15:38, Luq. 23:45). Karaa Yesusiin, namoota cubbammo gara Waaqayyoo qulqulluutti dhufuu danda’u, achitis haraaraa fi ayyaana kan fudhatan, yakka osoo hin taane.

▣ **“Gara teessoo ayyaana isaatti”** kun Waaqayyoof ibsa naanna’ee ibsamuu ta’u danda’a, akka raawwii sagaleeti fayyadamuu. Barreessaan warra Ibirootaa samii kan inni ilaaluu akka mana qulqullummaa waaqa irraatti (9:11, 24), garuu immoo teessoo samii (1:8, 4:16, 8:1, 12:2).

▣ **“Yeroo nu barbaachisuutti kan nu gargaaru”** akka haala barreefamichaatti kan inni dubbatu amantii keenya cimsinee akka qabannu of-eeggachiisaa dha. Waaqayyoo dhugumatti nu gargaara, yeroo rakkinaa fi qorumsaatti (1)Yesus Kristoosii fi (2)amala mataa isaan.

## GAAFFILEE MAREE

<u>Qajelfamni</u> qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta’u, sana jechuunis garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaatti hiikuun itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nu kennameen adeemuutu nurra jiraata. Hiktoonni jalqabaa si, kitaaba qulqulluu fi hafuura qulqulluu dha. kanas deebiftee kan hiike irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Gaaffileen maree kun kan kennamana kutaa kitaaba kanaa dhimmoota gurguddaa akka ta’utti akka qayyaabatu akka si gargaaruuf. Kana jechuunis akka ta’utti akka xiinxaltu si kakaasuuf malee kana qofaan akka daangooftu miti.

1. Boqonnicha hubachuudhaaf maaliif baay’ee nutti cimee?
2. “Qabaa” xiyyaafannoon jedhu Ibiroota irratti maaliif baay’ee irra deddeebi’aa ta’e?
3. Faayidaan barumsa hafuuraa tokko ni jiraata, Yesus “Yesus” fi “mucaa Waaqayyoo” jedhamee yeroo waamamu, Lakkoofsa 4 irrattii?
4. Yesus “Waaqa keessa kan darbe” maal jechuu dha?
5. Sabiriin fayyina amanaa wajjin akkamitti walitti dhufa?

# IBIROOTA 5
## HIIKAWWAM HAARAAWA RAMADDIWWAN KEEYATAA

| UBS[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Yesus angafa lubaa isa guddaa | Qabiyyee angafa lubaa | qabatamaa angafa lubaa keenya Yesus (4:14-5:14) | Yesus angafa lubaa isa guddaa (4:14-5:10) | Yesus angafa lubaa isa nuu oo'uu (4:14-5:10) |
| | 5:1-4 | 5:1-6 | 5:1-6 | 5:1-10 |
| (4:14-5:10) | luba bara baraa | | 5:7-10 | |
| 5:1-4 :5-10 | 5:5-11 | | Akeekkachiisa amantii dhiisuu (5:11-6:17) | jireenya hafuuraa fi barnoota hafuuraa |
| Akeekkachiisa amantii dhiisuu (5:11-6:12) | hafuratti bilchachuu dadhabuu | 5:7-10 | | |
| 5:11-6:8 | 5:12-14 | 5:11-14 | 5:11-14 | 5:11-14 |

**MARSAA DUBBISAA SADII (fuula vi ilaali kutaa seensaa)**

**YAADA BARREESSAA JALQABAA SADRKAA KEEYATAAN DUUKA BU'UU**

Qajeelmani qayyabannaa hiika yeroo ta'u, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu ofii keeti yeroo hiiktu itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kenameen deddeebi'uutu nurra jira. Hiiktooni jalqabaa si, kitaaba qulqulluu fi hafuura qulqulluudha. Kanaas deebifte kan hiike irratti jechama kan biraan akka hin fudhanne.

Boqonnicha of irra gadi taa'uu tokkoon dubbissi. Yaada-ijoowwan irratti. Yaada-ijoo kee ramaddiiwwan gara olitti tarreefaman hiika shanan wajjin wal bira qabi. Ibsi guutuun keeyaticha irratti argamuu yoo baatees hiiki yaada barreessicha jalqabaa ta'e inni guddaan irratti ni argama. Tokkoon tokkoon keeyataa yaada ijoo tokkoo fi tokko qofa qabateera.

1. Keeyata tokkoffaa
2. Keeyata lammaffaa
3. Keeyata sadaffaa

**QABIYYEE AKKA YAADA BARREEFAMICHAATTI**

**A.** 3:1 irratti jechoota lamaa wajjin wal barteetta, Yesuusin ibsuudhaaf: "Ergama" fi "angafa lubaa." Inni lammaffaan bifa addaatiin Ibiroota irratti dabalameera (2:17, 3:1, 4:14-15, 5:5, 10, 6:20, 7:26, 28, 8:1, 3; 9:11, 10:21).

**B.** Barreessan Ibirootaa yaad-rimee Yesusiif akka angafa lubaatti, sanyii Melkesediq kiristaanoota Yihudiif fudhatootta fudhachuudhaaf rakkisaa akka ta'u beekeera.

**C.** Ramaddii barreefamaa 5:11-6:20 haammatuu keessa dha, waa'ee Melkesediq ibsi barreessichaa, lammanuu of-eeggachisuuf, Yihudii amanaa fi Yihudii hin amanne.

**D.** 5:11-6:20 bakki maqaa furtuu sadii qabna: "Nuyi" (5:11), "Isin" (5:11-12-yeroo sadii), fi "Isaan sana/isaan" (6:4-8). Isaan bakkawwan maqaa kun gareewwan sadii dhi'eessu.
1. "Nuyi" fi "nuun," 5:11, 6:1-3, barreessichaa fi kan isaa/ishee garee misiyonummaa
2. "Isin," 5:11-12, 6:9-12, Yihudii amanaa isaanis barreessichi kan inni isaaniif barreessu
3. "Isaan sana" fi "isaan, " 6:4-8, Yihudoonni hin amannee isaanis wali wajjin kan isaan waaqeffatanii fi hiri'ootni isaanii, fudhattootni xalayichaa

## IBROOTA:5:1-4

**1Angafni lubootaa tokko, qooda namoota ta'ee kennaa fi aarsaa cubbuu dhi'eessuudhaaf, namoota gidduudhaa kaafame hojii nama Waaqayyoo wajjin walitti fiduu irra in dhaabama. 2Innis ofii isaatii dadhabbii akkasi jala waam jiruuf, warra wallaalootaa fi warra karaa irraa badaniif beekee, qabaa gaariidhaan isaan qabuu in danda'a. 3Sababiii dadhabbii jala jiruufs akkuma cubbuu sabaatiif dhi'eessu, cubbuu ofii isaatiif aarsaa dhi'eessuun isa irra jira.4 Akkuma Aaronwaamame innis Waaqayyoon in waamama malee, namni tokko illee ulfina angafa lubummaa kanaa ofiin hin fudhatu.**

**5:1-4** lak.1-4 angafa lubaa warra Leewwii mul'isa.

1. Gosni isa tokko irraati kan inni dhufe (Leewwi)
2. Fuula Waaqayyo dura dhaabbata nama bakka bu'uudhaan
3. Waa'ee cubbuutiif kennaa fi aarsaa dhi'eessa (8:3, 9:9)
4. Inni cubbamaa waan ta'eef cubbamootaaf gadda (Lew. 16:3, 6)
5. Ulfina dhuunfaa hin fudhatu, ta'us garuu fillannoo Waaqayyoo fi faayidaa isaa ni kabaja

**5:2**

| | |
|---|---|
| **NASB, NRSV** | **"gara laafummaan"** |
| **NKJV** | **"gadda"** |
| **TEV** | **"gara laafsessa ta'a"** |
| **NJB** | **"nuf gadda"** |

Jechi Girikii kun kakuu haaraa irratti faayidaa irra kan inni oole as qofatti, akkasumas guutummaa septuwajenti raawwatee hin raawwatu. Innis aristeas 256 irratti faayidaa irra ooleera, falaasama tasgabeessuu eeruudhaaf (Moolteen fi Milgaan, galmee jechaa haaraa Girikii, fuula 406).

▣ **"Kan hin barannee fi kan dogogoran"** kakuu moofaatti kan hin barrannee fi kan isaan dogogoran aarsaadhaan dhiifamaa ture (Lew. 4:2, 22, 27; 5:15-18, 22:14, Lak. 15:22-31), ta'us garuu yaadaaf cubbuu hin ture (Kes. 1:43, 17:12, 13; 18:20, Faru. 51).

Kan kakuu haaraa fakkiwwan jechaa jildii 5 irratti, A. T Robertsan walitti dhufeenya barumsa hafuuraa godha, kakuu moofaatti cubbuu yaadaa, innis aarsaadhaan kan hin dhiifamne gidduu dhaa fi 3:12 fi 10:26 irratti kan jiran of-eeggachisoota. Barreefamni isaa "ta'I jedhamee kan godhame amantaa ganuu (3:12, 10:26) haraarri hin dhi'aatu (368),

Phaawuloos kan inni amanu haraarri Waaqayyoo akka isaaf godheetti, dhugaa beekuu dhiisuu isaa fi ta'ii jedhee wangeela waan hin tufanneef.

**5:3 "Sababa kanaaf waa'ee sabaatii f akkuma dhi'eessuu akkasumas immoo waa'ee cubbuu ofi isaaf aarsaa dhi'eessutu irra jiraata."** Kun kan inni argisiisu angafni lubaa ofii isaaf aarsaa cubbuuf dhi'aatuu heera inni ittiin dhi'eessuu dha, Lew. 9:7-17 irratti kan argamu (ka'umsa qulqullaa'uu, 16:6-19 guyyaa qulqullaa'uu, fi Ibr. 9:7. Ibr. 7:26, 27 kan nu hubannuu Yesus cubbuu ofii isaaf raawwatee aarsaa akka hin dhi'eessinee dha, ta'us garuu rakkoo keenya ni hubata (4:15).

**5:4 "Eenyu iyyuu ulfina isaa kan fudhatu hin jiru"** Waaqayyo gosa tokko muudeera (Leewwi) fi maatii tokko (kan Aron, Bau. 28:1, 1Sen. 23:13) akka lubaatti akka tajaajilan (Lakk. 16:40, 18:7, 1Sam. 12:9-14, 2Sen. 16:18).

## IBROOTA: 5:5-10

**5 Kristosis akkasuma angafa lubootaa ta'uudhaaf mataa isaa ol ol hin qabne; garuu Waaqayyo isa, "Ati ilma kooti, ani har'an si dhalche!" ittiin jedhe sanatu ulfina kana kenneef. 6Iddoo biraattis immoo, "Akkuma lubummaa Malkiisedeqitti, ati bara baraan luba in taata" in jedha. 7Yesus biyya lafaa kana irra**

**yeroo jiraachaa turetti, sagalee guddaadhaan imimmaaniin, kadhataa fi waammata gara isa du'a isa oolchuu danda'uutti dhi'eesse; sababii inni ulfina Waaqayyoof gad of deebisee, isatti of kennateefis, kadhanni isaa in dhaga'ameef. 8Utuma ilma Waaqayyoo ta'ee jiruu immoo, dhiphina isatti dhufe hundumaa keessaa abboomamuu bare. 9Inni isa waan hundumaa fiixaan baase ta'ee erga argamee immoo, warra isaaf abboomaman hundumaaf sababii fayyina bara baraa ta'e. 10Waaqayyos akkuma lubummaa Malkiisediqitti, "Angafa lubaa" jedhee isa waame.**

**5:5 "Yesus ofi isaa hin kabajne"** Yohaannis 8:50, 54.

▣ **"Angafa lubaa yoo ta'u"** Yihudiin firoota isaa amansiisuun baay'ee rakkisaa ta'a, Yesus angafa lubaati jechuun, gosa Leewwi irraa kan hin dhufne ta'ee utuu jiru. Sunis kanaaf kaayyoo falmii jabaataati (4:14-5:10, 6:13-7:28) kakuu moofaatti luqisiwwan irratti hundaa'uudhaan.

▣ **"Garuu kan jedhe isa"** barreessichi ni mirkaneessa, abbaan bakka ulfina Yesus jabeessun isaa, furtuu kan ta'e kan moototaa Faru. 2:7 eeruudhaan. Abban faarfannaa walfakkaataan kan Isa. 42:1 wajjin walin makuun cuuphaa Yesus irrtti eera (3:17) fi jijjiramuu isaa irratti (Mat. 17:5).

Ariyoof (jechunis, waggaa haraaraa jaarraa arfaffaatti) walitti bu'iinsa barumsa hafuuraa isaatti irratti Atinatihosi wajjin kan inni qabu, raawwatee waaqummaa Yesus irratti ) kutaa lamaffaa luqisii kanaa irratti fayyadameera, Yesus kan jalqabaatii fi uuma Waaqayyoo isa guddaa dha jechuudhaan mirkanneessuudhaan (Fakk. 8:22-31), ta'us garuu dhiibbaan luqisichaa waa'ee mucummaa Yesuus (1:2, 3:6, 5:8, 7:28). Faaruu inni guddaan haroomsa waggaa ayyaanaa ture, Israa'eliif yookaan mootii Yihudaaf.

**5:6 "Ati akkuma muudama Malkesediiq bara baraan luba"** kun kan Faru. 110:4 irratti eeramee dha. Faarfannaan kun adda kan ta'ee dha. kunis Yesusiif keessumatti kan lubbummaa isaatii fi muudama mootummaa isaatiif waan kennuuf mootii ta'uu isaatiif (jechuun, lamanuu muka ejersaa, Zak. 4:3, 11-14, fi jechuun, Iyyaassuun akka dameetti 6:13). Akka kitaaba maraamaa garba dua'a Essenes (mataa isaanii kan ganan gareen Yihudootaa) lama Masihii eeguu turan, inni tokkoo mootii ta'uu isaa inni tokkoo lubummaa isaa. Yesus muudama lachuu isaa guuteera. Akka dhugichaa yoo ta'e, inni sadannuu dibata muudamaa kakuu moofaa raawwateera: raajii, lubaa fi mootii (1:1-3).

▣ **"Melkesediq"** labsiin guutummaa ergaa kanaa boqonnaa 7 irratti jira. Fakkeennoon isaa kan inni fudhatamee Uma. 14:17-20 irraati, achitis inni luba Kana'aanootaa/ mootii Saaleem (Jeebus, Yerusaaleem).

**5:7 "Yeroo fooniin tureetti"** kun Yesuusin kan inni argisiisu, Melkesedeqiin osoo hin taane. kana jechuun Yesus nama miti jechuu miti. Yesus akka namaatti foon kan uffate ta'eera, akka namaatti foon uffatees bara baraan hafa.

▣ **"Iyya jabaadhaa fi imimaanii wajjin kadhataa fi waammataan"** kun wal qabachuu kan danda'uu shaakala Yesus Getesamateti wajjin, Mat. 26:37 fi Luq. 22:44. Kunis abbaa sadarkaa sadii kadhata barsiisootaa wajjin wal fakkaachuu danda'a, miira gadi fagoo Yesus argisiisuuf, Getesemaaneeti bakka muduraa fi kuduraatti yookaan kadhata hangafa lubichaa, Yoh. 17 irratti kan jiru, hafeeraa Faasikaa galgalaa kan duuka buutootaa, Getesemaane dura.

▣ **"Gara isa du'a oolchuu danda'uu"** Yesus du'a sodaatee tureehii? Du'ii kan uumamaa sodaa namaati, Yesus immoo raawwatee nama ture. Sadarkaa ol jedhaadhaan kanan yaaduu abbaadhaa wajjin tokkummaa qabu dhabuu ture kan inni sodaate (Mar. 15:34, Faru. 22 eeruudhaan). Inni eenyummaa isaa beekaa, maaliif akka dhufees (Mar. 10:45, Mat. 16:21).

Hundumtuu sadan qaamni tokkummaa du'aa ka'uu Yesus irratti hirmaateera, abbaa qofa osoo hin taane (hafuura qulqulluu, Rom. 8:11, fi Yesus, Yohaannis 2:19-22, 10:17-18). Kakuu haaraan yeroo hundumaa kan inni mirkaneessuu abbaan Yesuusiin akka du'aa kaaseedha (HoE. 2:24, 3:15, 4:10, 5:30, 10:40, 13:30, 33, 34, 37, 17:31, Rom. 6:4, 9 10:9, 1Qor. 6:14, 2Qor. 4:14, Gal. 1:1, Efe. 1:20, Qol. 2:12, 1Tas. 2:10.

Gaaleen kun barreefama heedduu kakuu moofaa calaqqisiisuu, kunis Yaahiwween Masihi du'a foonii irraa fayyisuu akka danda'u (Faru. 33:19, 56:13 yookaan Hose. 13:14) yookaan du'aa akka kaasuu (Faru. 16:10,

49, 15, 86:13). Akka haala barreefama kanaatti kadhatni Yesus Geetesemaaneetti kan inni calaqqisiisu yoo ta'e, egaa filannoon lak. 1 fooyya'aadha.

◘

**NASB** **"sababa inni kadhateef dhaga'aameef"**
**NKJV** **"sababa inni Waaqayyoon sodaatuuf dhaga'aameef"**
**NRSV** **"sababa inni kabajee abboomamuuf dhaga'aameef"**
**TEV** **"kan gad of qabee fi kan kenname ta'uu isaatiif Waaqayyo isaaf dhaga'e"**
**NJB** **"sababa inni kabajuuf dhaga'ameef"**

Gaaleen kun, akka Rom . 1:4 "guddifachaa" yaad-rimeen faallaa amantii deemuu barumsa hafuuraa deggeruudhaaf faayidaa irra oola ture, jechuun, Waaqayyo nama kan ta'e Yesusiin gaarummaa isaatii fi jireenya abboomamuu isaatiin akka badhaasee mirkaneessuun. Kakuu haaraan walummaa galatti kan inni dhi'eessu Paradoksi (sababa gahaa kan hin qabne) Yesus hafuura akka namaatti foon uffatee fi sababa tajaajila isaa gaariidhaaf akka badhaafamee dha! kan ta'us ta'ee, lammanuu dhugaadha.

Hiika ingilliffaa irratti garagarummaan jiru kan inni dhufe "sodaa" kan jedhuu jecha Ibirootaa hiiki isaa rakkisaa ta'ee dha keessumatti ilmi namaa Waaqayyoo wajjin walitti dhufeenya inni qabuun faayidaa irra yeroo oolu. Inni ta'uuf kan fakkaatuu "sodaa kabajaa" yookaan kadhata malee "jeeqamuu" miti. Hiiki isaa jalqabaa "amanachuudhaan qabu" dha, fedha Waaqayyoo beekame bifa gochuutiin.

**5:8 "ammam illee mucaa yoo ta'e"** "mucaa" jechi jedhu qubee guddaadhaan hin barreefamne. Inni kan biraa dha, walitti fufiinsaan kan dhi'aataan miseensi maatii yookaan taajaajilaan maatii gidduu wal madaallii jirun (1:2, 3:6, 5:8, 7:28).

◘ **"Rakkina fudhate irraa abboomamuu barate"** guutummaan kutaa kanaa xiyyaafannoo kan inni laatu lammanuuf, Yesus akka Waaqayyoo "mucaa" (4:14) fi nama dha ("yeroo fooniin jirutti" lak. 7, 5:7). Inni qorameera, kadhateera, iyyeera, rakkina fudhateera, abboomamuu barateera! Akka barumsa hafuuraatti Yesusiin akka hafuuraatti fi akka namaa dhugaa tokkootti (amala tokko) godhee fudhachuuf rakkisaa dha! seenaa waldaa kristaanaa hundumaan, faallaan amantoota ni ka'u, gareen tokko xureessuu (1Yoh. 4:1-3).

Amantootaaf rakkisaa dha fakkeenya Yesus fudhaachuun akka hubatan gochuudhaaf. Kana dha fudhatootta amantoota rakkinni isaan mudate. Isaan, akka Yesus, hanga dhumaatti duuka bu'u, rakkina illee yoo ta'ee? Rakkinni kutaa awwaagiiti (2:10, Mat. 5:10-12, Yoha. 15:18-21, 16:1-2, 17:14, Rom. 8:17, 2Qor.4:16-18, 1Phex. 4:12-19).

Yesus hafuura erga ta'ee akkamitti guutuu ta'a? kun kan inni argisiisuu guddinaa namummeessaa isaati (Luq. 2:40, 52). Amantiin rakkinni itti baay'atee kaayyoo fiduuf tajaajila, kan biraa wanti kam iyyuu kan inni fidu caalaa. Waaqayyoo tokkoon tokkoon amanaaf kaayyoo inni qabu Kristoosiin fakkaachuu yoo ta'e (jechuunis, Rom. 8:29, Efe. 4:13), egaa warri ammayyaa dhihaa kiristaanoonni tooftaa isa guddaa jalaa baqatu, bilchina kan uumuu?

**5:9 "Erga raawwatamee booda"** gochamni kun kan hojiin argisifamee dha (mirkaneessaa) keeyaata. "Guutuu" jechi jedhu hiiki isaa "kan bilchaate" yookaan "hojii kennameef gahaa" kan ta'ee jechuu dha. guutuumaa yookaan bilchina, lamaanuuf kan Yesus fi duuka buutoota isaa, yaad-rimeen giddu galleessa Ibirootaati (2:10, 5:9, 14, 6:1, 7:11, 19, 28, 9:9, 11, 10:1, 14, 11:40, 12:2, 23). Mata duree addaa 7:11 irratti ilaali.

◘ **"Kan abboomaman hundaaf"** abboomamuun ragaa dhugaa duuka bu'uumaati (Luqaas. 6:46). Yesus bakka hundumaatti fakkeenya keenya dha. Abboomamuun fayyina dhugaadhaaf ragaa kenna!

**5:10 "Waaqayyoon angafa lubaa jedhamee akka heerichaatti waan waamameef,"** hanga ammaatti Ibiroota irratti Yesusiif waamanni sadii eerameera : (Mucaa, (2)Ergamaa, fi (3)angafa lubaa. Mata-duree addaa: Yesus akka angafa lubaa 2:17 irratti ilaali.

▣ **“Akka ulaagaa Melkesedeqiit”** Melkesediiq kan kennameef namni akka isaa isa qofaa akka ta’eetti kakuu moofaatti, lubas mootiis jedhamee kan waamame, kanaas kana barumsa hafuuraa barsisootaa walfalmii ga’uumsaan guuta. Malkesadiiq irra caalaa Uma. 14:17-20 fi Faru. 110:4 irratti gaadiduu isaa kan buusee fakkii dha, lubummaan Yesus lubummaa Aaron irratti caalmaa akka qabu ibsuudhaaf. Boqonnaa 7 irra kan jiru ibsa guutuu ilaali.

## IBROOTA: 5:11-14

**11Waa’ee isa dubbatame kanaaf waan jnnu baay’ee qabna; garuu wanta dhageessan hubachuutti daagii waan taataniif, ibsuun rakkisaa dha. 12Isin yeroo kana barsiisota ta’uuf kan mulatan turtan; amma garuu dubbii Waaqayyo isa gara jalqabaa iyyuu nama hiikee isin barsiisu in barbaachiise; qooda nyaata jabaa nyaachuus warra aannan dhuguun barbaachisu taataniittu. 13Namni aannaniin jiratu immoo, mucaa waan ta’eef, akka itti Waaqayyo duratti qajeelummaatti jiraatan isa barsiisu hin hubatu. 14Nyaanni jabaan garuu kan warra ga’aanii ti; warri kun sammuun isaanii hojiidhaan itti bare hamaa fi gaarii gargar baasuu in danda’u.**

**5:11-6** kun akka ramaddii barreefamaati. Boqonnichaa fi ramaddii lakkoofsa yaada hafuuraan kan liqimfaman miti kanaaf booda irratti kan itti dabalamanii dha. Akka haala qabiyyee barreefamichaatti boqonnaa 6 irratti ilaali.

**5:11 “Isan”** kun bakka maqaa ta’uu kan inni danda’u tokko iyyuu dhiira yookaan saala-maleessa dha. akka natti fakkaatutti saala-maleessi bifa fooya’aan wali gala (NRSV, TEV, NJB, NIV). Kanaaf, inni kan inni argisiisu kan Yesus lubummaa Melkesediq dha. Ibiroota 5:11-6:20 haammatuu barumsa hafuuraati. Barreessichi boqonnaa 7 irratti gara Melkesedeqiiti deebisa.

▣ **“Nuyi”** kun akkuma jiruutti kan baay’eeti, kan inni argisiisuus barreessaa tokkoo dha.

▣ **“Gurri keessanis dhaga’uu waan dideef”** haalli qabiyyee barreefamaa kun Ibirootaan kan adda ta’ee dha, bakki maqoota sadii faayidaa irra waan oolaniif: “isin” (5:11, 12, 6:9-12), “Nu” fi “nuun” (5:11, 6:1-3, 9), fi “isaan” (6:4-8). Haalli qabiyyee barreefamichaa eenyuun argisiise. Kun kan inni fakkaatu kitaabni Ibirootaa haala seenaatiin kan hundeefame akka yaadamu gochuu, kanas amantootaa Yihudoota murta’aaniin, mana sagadaa Yihudii warra hin amannee wajjin ta’aanii kan waaqeessan argisiisuudhaaf, guutuu guutuutti bu’aa wangeelaa wajjin osoo wal hin qabsiisin.

Kun kan gocha xumuramee argisiisuu dha, inni kan jabaatee ejjennoo irra jiranitti xiyyaafannaa kan kennu. “Junfulaa” kakuu haaraatti yeroo lama qofa dha faayidaa irra kan inni oolee, asittii fi 6:12 irratti. Barreessichi hubachisuuf kan inni rakkate saba dhimma mata-duree miti, ta’us garuu dubbiftootni isaa waan hin bilchaaneef malee. Isaan dhaga’uu irraa jufunfulaniiru, waan hafuuraattis dhiibba’aniiru.

**5:12 “Yericha irraa kan ka’ee barsisoota ta’uun osoo isin irra jirru,”** amma illee isaan amantootni kun yeroo dheeraadhaaf kristaanoota kan turan yoo ta’anis hin bilchaanne. Dheerrinni yeroo bilchaachuu wajjin kallattiidhaan wal hin argu. Isaan Yihudoota hin amanne wajjin hiri’ummaa isaanii kan itti fufan fakkaatu, dhimma galumsa Yihudootaa wajjin wal falleessuu dhiisuun (6:1-2). Kunnis kan inni ta’u (1)Ari’atama mootummaan ta’uu hambisuu fi/yookaan (2) “kan ergama isa guddaa” dirqama hambisuudhaaf, kiristaanootaaf kan abboomame.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **“qajeelfamawwan jalqabaa”** |
| **NKJV** | **“qajeelfamoota dursan”** |
| **NRSV** | **“barumsa bu’uuraa”** |
| **TEV** | **“barumsa jalqabaa”** |
| **NJB** | **“barumsa qajeelfamaa”** |

Jechi kun hiika yaadamu qabau baay'ee qaba (jechuunis, dirree hiikaa bal'aa).

1. Dhimma mata-duree barumsa bu'uuraa
2. Argama dhimma mata –duree
3. Aangoo ergamaa (Gala. 4:3, 9, Qol. 2:8)

Akka haala barreefama kanaatti lakk. 1 kan wayyu fakkaata. Barreessichi kan inni mirkaneessuu isaan amantoota hin bilchaanne ofi isaaniitti barumsa bu'uuraa kiristaanummaa akka isaan barbaachiisu dha (lakk. 1 fayyadamuun), ta'us garu 6:1 irratti ibsa lakk. 2 bifa fooyya'aan kan wali galu fakkaata 6:1-2 barumsa Yihudootaa wajjin waan walitti dhufuuf, bifa adda ta'en barumsa kristaanaa wajjin osoo hin taane, isaanis kan irraa goran. Isaan jechi Girikii kun stoichea, dha 6:1 arche kan ta'e (mata-duree addaa: *Arch*e 314 irratti ilaali).

▣ **"Aannan…. Nyaata cimaa"** isaan kun lammanuu kan Waaqayyo kennee dha, lammanuu tibba tokkotti ta'uu kan qabanii dha. Ta'us, aannan nama bilchaateef kan ta'u miti (1Qor. 3:2, 1Phex. 2:2).

**5:13 "Jecha qajeelinaa"** gaaffiin hiikichaa gaaleen kun akkamitti "gaariidhaa fi hamaa" kan jedhu wajjin akka walitti dhufuu dha, lakk. 14 irratti kan jiruu? NJB kan jalqabaa kan inni hiiku "doktrinii haqa eeguu" doktriinii jedhu wajjinii dha. TEV isaan kan inni hiikuu wal cina akka ta'an "sirrii fi dogoggora" (lakk. 13) fi "gaarii fi hamaa" (lakk. 14) dha. Gaaleen jalqabaa kan inni dubbatu waa'ee rakkoo bilchaachuu dhabuu yeroo ta'u, inni lammaffaan immoo kan inni dubbatu waa'ee gochaa/muuxannoo rakkoo dhabuuti.

Ta'u kan inni danda'u, gaaleen kun "qajeelfamoota jalqabaa irraa" faallaadhaan ta'uu isaati kan lakk. 12; 6:1. Kanaaf inni wangeelaadha kan inni eeru, doktiriini Yihudootaa irratti, kan 6:1-2.

Waa'ee tolaa qayyabannaa jechaa mata-duree addaa 1:9 irratti ilaali.

**5:14 "Kan bilchaate"** jechi kun hundee jechaa walfakkaataa Girikii "raawwatee" jedhamee 5:9 irratti kan hiikamee dha. Telos kan bilchaate jechuu dha, hojiin argisuusuun kennamee ga'uumsa guutuu kan qabuu dha. Mata-duree addaa 7:11 irratti ilaali. Eenyummaan Yesus kan amanamummaa fi bilchinaan fakkeenya guddachuuti (lak. 8-9), jireenyi dubbiftootaas akkas ta'uun akka irra jiraatu. Isaan amantootni Yihudootaa kun rakkina tokko tokkoo fudhataniiru (12:4), ta'us garuu gara boodeetti deebi'aniiru ("gara boodeetti deebi'uu," 10:38) wal bira qabuun Yiyudummaa bakka fayyinni jiru.

▣ **"Hojii isaaniin kan shaakalame qalbii kan qaban"** kun keeyata raawwatameeti, innis waa'ee gocha irra deddeebi'amee kan dubbatu, innis gara haala ejjennoo cimaatti kan jijjiramee _ gocha guutuu godha! Gochamni wal fakkaataan faayida irra ooleera waa'ee duuka-buutota Waaqayyoo 12:11 irratti.

## GAAFFILEE MAREE

<u>Qajelfamni</u> qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta'u, sana jechuunis garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaatti hiikuun itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. tokkoon tokkoon keenya ifa nu kennameen adeemuutu nurra jiraata. Hiktoonni jalqabaa si, kitaaba qulqulluu fi hafuura qulqulluu dha. kanas deebiftee kan hiike irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Gaaffileen maree kun kan kennamana kutaa kitaaba kanaa dhimmoota gurguddaa akka ta'utti akka qayyaabatu akka si gargaaruuf. Kana jechuunis akka ta'utti akka xiinxaltu si kakaasuuf malee kana qofaan akka daangooftu miti.

1. Saba Yihudootaaf maaliif baay'ee rakkisaa ta'ee haqa Yesus angafa lubaa ta'uu isaa fudhachuun?
2. Rakkinni bilchinaa wajjin akkamitti wal qabata, lammanuuf Yesusii fi amantootaaf?
3. Isaan dubbiftootni kun bilchaatoo akka hin taane kan isaan godhee sababoota kamfaa dhaa?

# IBIROOTA 6
# HIIKAWWAM HAARAAWA RAMADDIWWAN KEEYATAA

| USB[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Amantii dhiisuu irrattui akeekkachiisa (5:11-6:12) | | | Amantii dhiisuu irrattui akeekkachiisa (5:11-6:12) | Barreessichi yaada isaa ibseera |
| 5:11-6:8 | balaa guddina dhabuu<br>6:1-8 | labsii dhaa fi akeekkachiisa kaayyoo<br>6:1-8 | 6:1-3<br>6:4-8 | 6:1-8 |
| 6:9-12 | tilmaammii isa wayyu<br>6:9-12 | 6:9-12 | 6:9-12 | abdii fi dubbii jajjabeessu<br>6:9-12 |
| abdii Waaqayyo isa mirkanaa'aa<br>6:13-20 | kaayyoo waaqayyo isa karaa Kiristoos isa hin kufne<br>6:13-20 | 6:13-20 | Abdii Waaqayy isa mirkanaa'aa<br>6:13-20 | 6:13-20 |

**MARSAA DUBBISAA SADII (fuula vi ilaali kutaa seensaa)**

**YAADA BARREESSAA JALQABAA SADRKAA KEEYATAAN DUUKA BU'UU**

Qajeelmani qayyabannaa hiika yeroo ta'u, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu ofii keeti yeroo hiiktu itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kenameen deddeebi'uutu nurra jira. Hiiktooni jalqabaa si, kitaaba qulqulluu fi hafuura qulqulluudha. Kanaas deebifte kan hiikeirratti jechama kan biraan akka hin fudhanne.

Boqonnicha of irra gadi taa'uu tokkoon dubbissi. Yaada-ijoowwan irratti. Yaada-ijoo kee ramaddiiwwan gara olitti tarreefaman hiika shanan wajjin wal bira qabi. Ibsi guutuun keeyaticha irratti argamuu yoo baatees hiiki yaada barreessicha jalqabaa ta'e inni guddaan irratti ni argama. Tokkoon tokkoon keeyataa yaada ijoo tokkoo fi tokko qofa qabateera.

1. Keeyata tokkoffaa
2. Keeyata lammaffaa
3. Keeyata sadaffaa
4. K.K.f…

**QABIYYEE AKKA YAADA BARREEFAMICHAATTI**

A. Akkataa fayyadama bakka maqaa irraan kan ka'e "nu/nuun" 6:1-3 irratti, "isaan/isaaniin" 6:4-8 irratti, fi "isin" lak. 6:9-12, ani kanan amanu kan adda ta'an lama firootaa boqonnaa 6 irratti ilaalu keessan dha: Yihudii amananii fi Yihudii hin amaniin. Dabalatanis Yihudiin (kirstaana miti) kan hundee doktrinii uumamaan, 6:1-2 ilaaluun kan jiraateef Yihudummaan kan qoqoodaman dhugaa wajjini dha. firoota sadii kan eeraman fakkaata.
   1. Barreessichaa fi garee ergama isaa/ishee ("nu" fi "nuun", lak. 1-3, 5:11)
   2. Yihudii hin amanne ("isaan" fi "isaaniin", lak. 4-8
   3. Yihuudi amanaa ("isin", lak. 9-12 fi 5:11-12)

B. Kan barreefameef eenyuuf akka ta'e yaad-rimeewwan baay'een ni jiraatu.
   1. Inni kan tilmaamaan (kunis yeroo hundaa "akka" kenna, lak. 6 irratti)
   2. Innis Yihudoota hin amanne argisiisa

3. Innis sirritti ganuu argisiisa (Yihudi amanaan gara abdii kakuu moofaatti fi ulaagaleetti yeroo deebi'an, Yesus Masihii ta'uu isaa fudhatanii qooda fudhachuu)
4. Inni kan inni argisiisu kan kakuu moofaa fakkeenya warra hin amannee malee, amantoota yeroo sanaa miti

C. Kan 6:1-12 of-eegachiifni duraan dursee of eegannoowwan jiran wajjin waliiti fiduutu isain irra jiraata
1. Kan darbeen akka hin fudhatamne of eegaachuu barbaachiisa, fayyina kan qabu bu'uura irraa, 2:1
2. Fedhiin amannuu dhiisuu irraa of-eegadhaa (akka Israa'eeloota kakuu moofaa), 2:1
3. Amantoota hin bilchaanne akka hin taaneef of-eegadhaa, 5:11-14

D. Waldaa kiristaanaa keessa kan turee walfalmii yerichaa "altokko kan fayyee yeroo hunda fayyeera", "fayyee, bade, fi isa booda irra deebiin fayye" fi "al tokko kan ba'ee yeroo hunda ba'e" naannoo isaa naanna'a:
1. Barreefamoota adda ta'an fayyadamuu (barreefama qulqulleessuu)
2. Wali galtee loojiki fayyadamu (jecha isaa caalaa yaada isaaf dursa kennuu)
3. Akkaatee tooftaa barumsa haafuuraa fayyadamu (Kaalvinizimi, Armeeniziimi, Dispenseshinaalizimi, k.k.f).

E. Fakkeenyawwan kitaaba qulqulluu baay'ee jira, amantii isaani wajjin rakkoo wal qabate namoota qaban (mata duree addaa 6:5 irra ilaali), ta'us garuu hundumaa kan uwwisu deebii salphaan hin jiraatu.
1. Amantootni tajaajilaaf kan hin geenye ta'an
   a. Kiristaanoota foonii yookaan geggeesitoota kiristaanoota dhibaa'oo (1Qor. 3:10-15)
   b. Kirstaanoota daa'ima (ibr. 5:11-14)
   c. Kiristaanoota gahoo hin taane (1Xim. 1:19-20)
   d. Kiristaanoota ija hin qabne (2Phex. 1:8-11)
2. Labsii amantii sobaa
   a. Fakkeenya lafichaa (Mat. 13, Mar. 4)
   b. Walitti dhufeenya dhuunfaa ija qabu (Mat. 7:2-23)
   c. Barsiisota sobduu
3. Ganuu danda'a jedhame kan yaadamu
   a. Saa'ol (kakuu moofaa)
   b. Yihuudaa (kakuu haaraa)
   c. Barsiisoota sobduu (2Phex. 2:20-22)
   d. Hiiktoota gara boodaa (Mul. 22:19)

## IBROOTA: 6:1-8

**1Kanaafis kottaa dubbii waa'ee Kristos isa gara jalqabaa dubbachuu dhiifnee, gara barsiisa isa warra ga'aniif kennamuutti in darbina. Nuyii waa'ee hojii gara du'aatti geessu irraa yaada garaa geddarachuu, waa'ee Waaqayyotti amanuus deebine hundee barsisichaa kaa'uuf miti. 2Barsiisa waa'ee cuuphaa, waa'ee harka mataa namaa irra kaa'uu, waa'ee ka'uu warra du'anii, waa'ee firdii bara baraa keessa hin deebinu. 3Yoo Waaqayyo jedhes, nuyi isa kaanitti darbuuf jirra. 4Warri ga'an yoo garagalan immoo, attamitti isaan deebisuun danda'ama ree? Isaaniif takka ifeeraaf; isaan kennaa Waaqa irraa miyeffataniiru; hafuura qulqulluuttii hirmaataniiru. 5Gaarummaan dubbii Waaqayyoof humni bara isa dhufuuf jiruu isaanitti dhaga'ameera. 6Warri akkasi kun amanti irraa garagallaan, deebi'anii yaada garaa isaanii geddarachuudhaaf haareffamuu hin danda'an, isaan ofuma isaaniitii ilma Waaqayyoo deebisanii fannisaniiru, mul'inattis isa tuffachiisaniiru. 7Lafti bokkaa yeroo baay'ee irratti roobu dhugee, biqiltuu warra qotameefiif waa'ee baasu biqilchu, eebba Waaqayyoo in argata. 8Qoraattii fi baalaanwaraantee yoo baasee garuu, abaaramuuf jedha malee, homaa dhimma hin baasu, dhuma irrattis in gubama.**

**6:1-2** kun tarreefama doktiriinii wajjin kan wal qabsiisuu dhimma Yihudummaa fi kiristaanummaa wajjini dha. Ta'es, isaan duraan dursani iyyuu Yihudoota (jechuun, qulqulleessuu fi harka irra kaa'uu). Isaan warra amananis ta'ee warri hin amanne Yihudoonni akka salphaatti wali galuu kan isaan danda'an irratti. Isaan isa guddaa dhimma barumsa hafuuraa miti, Yesus nama Naazireeti akka raajameetti Masihii wajjin kan wal qabsiisu.

Yaad-rimeewwan amansiisoon jira, jechuun gaalee jalqabaa arche (barumsa jalqabaa) kan jedhuun hiikuun kan irra jiraatu akka " ka'umsa Masihii" (A. B. Birus, ergaa warra Ibirootaa, fuula 197). Sun kan murtaa'aan gosootni Yihudi, ormoonni gara kiristaanummaa guddifachaan waan fidaniif dhiibbaan isaan irra ture, akkasumas Yesus raajii kakuu moofaa fi abdiiwwan akkamitti akka raawwataman gaaffii qabu turanii? Tarreefama doktiriini Yihudootaan xiyyaafannoo mare qabna turre gara kakuu Museetti fayyummaaf carraa deebi'uu, bakka Yesus?

| | |
|---|---|
| **NASB, NJB** | **"barumsa sadarkaa tokkooffaa, waa'ee Kristoos"** |
| **NKJV** | **"ibsa barumsa sadarkaa tokkoffaa, waa'ee geggeessa Kristoos"** |
| **NRSV** | **"waa'ee Kristoos barumsa bu'uuraa"** |
| **TEV** | **ergaa Kristaanaa barumsa jalqabaa"** |

Arche kan jedhu jechi Girikii dirree hiikaa guddaa qaba (3:14 irratti kan jiru mata duree addaa ilaali). Tuqaan isaa bu'uuraa jalqabi waan tokkooti (inni dursuu kan taayitaa/ka'umsa bittaa). Inni kan *teleios* ("bilchina" faalla akka haala barreefamaati lak. 1 b).

Gaalee kana hubachuuf rakkoon jiru lakk. 1:2 iratti kan eeraman qajelfama Masihii wajjin waa'ee walitti fiduu isaaniiti, akka Yihudootaatti barumsa aadaa. Kun isa tokkooffaa sababa barreefamaati, kitaabni kan barreefame hordoftoota makurabii Yihudootaaf dha tilmaamni jedhu (10:25) lammaanuu Yihudoota amananii fi hin amanne (R. C. Girez, fayyinni salphaan hin jiru).

◘ **"Haa deemnu"** kun kan gocha yeroo ammaa ibsuudha, "haa deemnu." Xiyyafannoon isaa itti fufeenya kan qabu bakka bu'aa kennaa hafuuraati! Isaan gara guddinaati guddachaa deemu, hafuurri qulqulluun bilisummaan akka isaan sosochoosu hanga heyyamanitti. Jecha wal fakkaataa kan ta'e falaasamoota Bitaagooriyaa faayidaa irraa oolaa kan ture, gara hubannoo sadarkaa aanaatti guddachuu (A. T. Robert son fakkii jechaa kakuu haaraa, fuuka 373).

◘

| | |
|---|---|
| **NASB, TEV** | **"bilchina"** |
| **NKJV, NRSV** | **"dogogora- maleessummaa"** |
| **NJB** | **"guutuumaatti"** |

kun jecha Girikii teleios, gosa dha, inni kan kakuu haaraa as qofatti faayidaa irra kan oole. Mata duree addaa 7:11 ilaali. Inni lak. 1 A irra kan jiru kan arche (qaleejfama bu'uuraa) faallaa akka haala barreefamichaati. Isaan amantooti kun dirqamatti maquutu isaan irra jiraata, dhimma mata duree barumsa hafuuraa jalaa, hiriyoota isaanii Yihudii hidhata hojii isaani wajjin wali wajjin yoo jiraatan.

◘ **"Qalbi jijjirannaa…amanti"** isaan kan dirqamawwan kakuu moofaa fi kakuu haaraati, inni tokko sirri fi inni tokko immoo alta'aa. Qalbi jijjiranaan dhimma mata duree rakkisaa dha, hiika isaa irratti sababa jeequmsi jiruuf. Jechi Ibiroota kan inni calaqqisiisu jijjirama ilaalchaati. Qalbi jijjiranaan of giddu galeessa godhate, ofin kan of geggeessu jireenyi gara Waaqayyoon giddu galeessa godhateeti, gara geggeesummaa Waaqayyoti jireenaya deebisuu dha.

1. Yesuus kan qalbi jijjirannaa jiraachuu dhiisuu badiisa wajjin wal qabsiseera (Luq. 13:3, 5, fi 2Phex. 3:9)

2. Qalbi jijjirannaan akka dirqama cinaanitti amanti wajjin wal qabateera (Mar. 1:15, HoE . 2;38, 41, 3:16, 19, 20:21)
3. Waaqayyos mirkanneesseera, burqa qalbi jijjirannaa ta'uu isaa (HoE. 5:31, 11:18, 2Xim. 2:25)

**6:2 "cuuphaawwan"** kan lakkoofsa baay'ee cuuphaan kiristaanaa raawwatee hoji irra hin oolu, ta'us garu guyyaa kabaja ayyaannaa kakuu moofaatti of qulleessu dha malee (Mar. 7:4, Ibr. 9:10). Isaan Doktirinooni wal cinaa sadan bifa adda ta'een kan kiristaanummaa miti. Isaan doktirinoota barataman fakkaatu, kan Yihudummaa, keessaa iyyuu warra Faarisootaa kristaanummaa wajjin kan irraa hirmaataan.

◘ "**Harka irra kaa'uu"** kun bifa baay'eedhaan faayida irra ooleera, kakuu moofaa fi kakuu haaraatti. Inni kan inni argisiisu wal deggeruu

1. Waaqayyo tokko hojii filateef yoo adda ba'e (Lak. 27:18,23, Kes. 34:9, HoE. 6:6, 13:3, 1Xim. 4:14, 5:22, 2Xim. 1:6)
2. Aarsaadhaan yeroo adda ba'u
   A. Luba (Bau. 29:10, 15, 19, Lew. 16:21, Lak. 8:12)
   B. Namoota ogummaa addaa hin qabne (Lew. 1:4, 3:2, 8, 4:4, 15, 24, 2Sen. 29:23
3. Dhagaadhaan kan rukkutamu adda baasuuf (Lew. 24:14)
4. Eebbaaf kadhachuu (Mat. 19:13, 15)
5. Fayyinaaf kadhachuu (Mat. 9:18, Mar. 5:23, 6:5, 7:32, 8:23, 16:18, Luq. 4:40, 13:13, HoE. 9:17, 28:8)
6. Hafuura qulqulluu fudhachuudhaaf kadhachuu (HoE. 8:17-19, 19:6)

◘ **"Du'aa ka'uu …… firdii bara baraa"** warri Farisootaa fi Yihudoota firoota (jechuun, hawaasa maramaa garba du'aa) isaan ga'umsa dhumaa doktirinoota kan isaan qabu kiristaanummaa wajjin wali wajjin.

## MATA DUREE ADDAA: KAN BARA BARAA

Robert. B. Girdilistoon, kitaaba isaa kakuu moofaa wal fakkaataa irratti "kan bara baraa" jecha jedhuuf yaada nama harkisu qaba:

"aionios addeessi jedhu kakuu haaraatti yeroo afurtamaa ol faayidaa irra ooleera, jireenya bara baraa bifa jedhuun, innis gartokkoon akka kennaa ammaa, gartokkoon immoo akka abdi gara fuulduraatti kan mul'atu. Innis immoo raawwata Waaqayyoof akka hin qabne le'iin faayiidaa irra ooleera Rom. 16:26, raawwata kan hin qabne ga'umsa oolchuu Kristoos Ibr. 9:12, 13:20 irratti, fi baroota darbanitti Rom. 16;25, 2Xim. 1:9, Tit 1:2 irratti.

Jechi kun abidda bara baraa eeruuf faayidaa irra ooleera, Mat. 18:8, 25, 41, Yihuda 7, adaba bara baraa, Mat. 25:46, firdii bara baraa yookaan yakka, Mar. 3:29, Ibr. 6:2, badiisa bara baraa, 2Tes. 1:9. Dubbifama kana irra jechi jiru kan inni argisiisu kan raawwataati. Kanaaf tuqaan wali gala isaa isaan firiwwan kun yeroo raawwataman, yeroo qorumsaati, jijjirama yookaan, carra isa tokkoo deebi'ani kan jijjiran, bifa guutuu ta'ee fi bara baraan ni gatamu. Waa'ee gara fuulduraa kan nu beeknu baay'ee muraasa, waa'ee jireenya mucaa namaa walitti dhufeenya kan hin qabne le'ii wajjin, fi kanaaf waan hin amanneef madaalli safuu, ifa bara baraan yeroo mul'atu. Karaa tokkoon sagalee Waaqayyoo irratti dabaluun dogogora dha, karaa kan biraadhaanis isa irraa hir'isuun nurra hin jiraatu, doktirinii abada bara baraa jala taanee yoo dadarbatamne, akka sagalee isaa irra kaa'ameeti, madaalii kan kaafnu ta'uutu nurra jiraata, Waaqayyo jaalalli wangeelaa Kristoos irra jiru eeguutu nurra jiraata, dandamachuu kan nu hin dandeenye duubeessa dukkanaa akka jiraatu hubanne" (fuula 318-319).

**6:3 "Akka"** kun kan ramaddii sadaffaa hima haalaati, innis gocha jabaataa kan ta'e. Waaqayyo ni heyyama, isaan yoo deggeran!

**6:4-6A “yeroo tokko kan turan …… kan qoraman….. kan hidhaman…kan qoraman….. kan kufan”**isaan keeyatootni kun hunduu kan gochaati, lak. 6b kan tartiiba yeroo ammaa gochamawwan yeroo ta’an. Isaan kana himootni jajjaboon. Hiiki isaa ifaadha: Waaqayyon hanga ta’e nii beeku, ta’us garuu Kristoos irratti kan qaban amantii guutuu gataniiru. Ta’us haala barreefamoota lama qorachuutu isaan irra jiraata: (1)firootni sadan argamuu. (“Nuyi” [lak. 1-3], “isaan” [lak. 4-8], “isin” [lak.9-12]) fi (2)alama Doktiriini Yihudootaa, lak. 6:1-2 irratti. Isaan kun kan isaan argisiisan gara makuraabiiti, Yihudoota amananii fi hin amanne wali wajjin kan isaan waaqesaniif kan isaan qoratan. Yihudoonni hin amanne ifatti ilaalteeta, humna wangeelaa, hulfina, fi dhugaa qulqulluu sagalee isaa irraa ilaalteeta, akkasumas dhuga baati hir’ihoota keessaniif jireenya jijjirame.

Warra Ibiroota irra of-eegachiisa lamatu jiru: (waa’ee Yihuudii amanaa, ejjeennoo ifaa ta’e akka fudhatan, waldaa kiristaanaa hari’ataman irra jirtu wajji, gara Yihudummaatti irra deebiin osoo hin deebi’iin fi (2)Yihudoota hin amanneef Kristoosiin akka hammataman. Karaa baay’eedhaan of-eegachiifni jalqabaa kiitaba kanaaf kan adda ta’eedha, inni lammaffaan garuu baay’ee wal fakkaataadha, cubbuuu Faarisoota akka hin dhiifamneef, wangeela keessatti akkasumas cubbuu du’aaf nama geesisu, barsisoota sobdu, 1Yohannis.

**6:5 “Dhufuuf kan jiru kaayyoo humnaa”** kan badaniif fakkeenya kan biraan, inni dhufu humna addunyaa keessaatti kan qabataman Mat. 7:21-23 irratti. Isaan humna qabu, walitti dhufeenya nama dhuunfaa barbaachiisa hin taane. Kun wal fakkaataa Asqorticha Yihudaa jedhameera (wangeela irratti), Simoon Magnes (Hoji ergamootaa irra) , fi barsisoota sobduu (1Yoh. 2:18-19). Mata-duree addaa 1:2 ilaali.

▣ **“Kufteetta”** kun kan gochama yeroo ammaa keeyata Booz dha. kun fiixee barumsa hafuuraati, hima Girikiin, innis lak. 4 irrati kan jalqabamu. Mata-duree addaa: amantaa dhiisuu 3:12 irratti ilaali.

**6:6**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **“achi irraas”** |
| **NKJV** | **“akka”** |
| **NRSV, TEV** | **“achi irraas”** |
| **NJB** | **“kanaaf as irraa kan ka’e”** |

Ayyoota Girikii gidduu wali galtee dhabuutu jira, kun keessaa kan bahee caasefama haala irratti hundaa’ee akka ta’e yookaan caasefama wal cinaa dhaabbataa lak. 4 akka ta’e. caaseefama haala irratti hundaa’ee akka ta’e kan mirkaneessan akkas godhu kaayyoo barumsa hafuuraa, kanas lak. 6 haala aadbuura akka ta’e mirkanessuun. Ta’es, kan akka kanaa hunduu kallatti seer-lugaa kan argisiisan hundumaa ta’uu isaaniiti.

1. Gocha keeyata Booz akkina irra deddeebia’ame (kan ifeef, kan qoraman, kan hirmaatan, kan qoramanii fi kan kufan)
2. Kan “kai” (fi) fayyadama irra deddeebiin, sadan warra boodaa wajjin
3. Akka dhiiraati kan yaadamu kan keeyata baay’ee lak. 4 irratti, innis lak. 4-6 irratti kan argaman keeyata Booz wajjin kan walitti dhufu

▣

| | |
|---|---|
| **NASB, TEV, NJB** | **“kan hin danda’amne” (lak. 6)** |
| **NKJV, NRSV** | **“kan hin danda’amne” (lak. 4)** |

Sagaleen isaa lak. 4 irratti argaman, ta’us garuu akka haala barreefamaa isa guddaa lak. 6 of keessatti qabata. Kun jecha Girikii dunatos (danda’u) dha, isa guddaa dhabsiisuuf (danda’u dhabuu). Isaan jechootni kun faayidaa irra kan oolan Waaqayyo kan godhee fi kan hin goone hundee hiikaatiin! Innis Papiresi Girikiitti faayidaa irra oolee Gibxi irratti argameera (1)hojjeechuudhaaf namootaa jaboo

hin taanee fi (2)Dhugaa ba-uu kan hin dandeenye dhuga-baatoota. Innis yeroo afur warra Ibirootaa irratti faayidaa irra ooleera.

1. Isaaniin qalbi jijjiranaadhaaf deebissani harreessuun waan hin danda'amneef (6:4)
2. Waaqayyo sobuu akka hin dandeenye (6:18)
3. Haarsaawwan kakuu moofaa fayyisuu akka hin dandeenye (10:4)
4. Waaqayyon amantiin ala gammachiisuun akka hin danda'amne (11:6)

Tokkoon tokkoon dhimmaa irratti hiikii sagalee isaatti hin danda'amuu dha. kanaaf, ajaa'ibsiisaa dha, kan Loowi fi Niidaa Ingilliffa Girikii hundeen jechaa kakuu haaraa kan inni jedhu (Ibr. 6:4 irratti kan adunaton mudannoo akkaataa fayyadama raajayyeessaa fakkaata, amantaa dhiisuu irratti ilaalcha ofeegannootiin (Ibr.5:11-6:12 ilaali). Kanaaf, tokko adunaton hiikuu ni danda'a, Ibr. 6:4 akka 'inni baay'ee rakkisaadha kan jedhu'" (fuula 669). Kun baay'ee barumsahaafuuraa fakkaata, hundee jechaa isaa caalaa, hunduu fayyadama sagalee isaa Ibiroota irratti "hin danda'amu" waan gaaffataniif.

Jechi kun akkuma jirutti fudhachuun kan rakkisa ta'eef sababni isaa inni gara "al tokko kan ba'ee yeroo hundumaa ba'e" gara barumsa hafuuraa jedhuutti waan geggeessuufi dha, kun kan inni argisiisuu amantii isaanii kan dhiisan amantoota kan eeru yoo ta'e. isaan sun obboloota kutaa amantaa, ganuu kan barsisan immoo qalbi jijjirannaa fi deebi'uu lallabu. Barreeffamni kun ejjennoo kana kan gadi xiqqeessuu fakkaata.

Karaa baay'eedhaan yoomessi seenaa furtuu hiikaati.

1. Gareewwan lamaaf, ergaan isaa (Yihudoota amananii fi hin amanne)
2. Gareen tokko (Yihudii amane, isaanis kan hin bilchaanne, ammas gara Museetti deebi'uudhaaf yaada kan qaban)

Kun faallaa waan amaname tokkoo adeemu dha. Galatiyaa irratti kan jiran warri Yihudootaa, isaanis seera waaqefannaa kakuu moofaa kan qoran (Kristoosisnis dabalatee). Phaawolos ni mirkaneessa, isaan ayyaana isaa irraa akka kufan (Gal. 5:4).

▣ **"Haareffamuu"** itti fufee kan jiru mata-duree addaa ilaali.

## Mata duree addaa: Hara'umsa (ANAKAINōSIS)

Jechi Girikii kun boca aadda addaatiin (ANAKAINOO, ANAKAINIZO) hiika hundee qabeessa lama qabu

1. "Wanta tokko haaraadhaa fi adda kan ta'ee gochuu" (jechuun, kan fooya'ee)" –Roomee 12:2, Qolaa 3:10
2. "isa duraa ejjennoo fillannoo irratti jijjirama gochuu -2 Qoro 4:16, Ibiro 6:4-6

(Louw and Nida's *Greek-English Lexicon*,, (kan Girikii jecha hundee ingili) guca 1 fuula 157, 594)

Moulton and Milligan, *The Vocabulary of the Greek Testament* (galmee jechoota kakuu Girikii akka jedhuttii jechii kun (jechuun ANAKKAINOSIS) barreefama Girikiitiin in argamu Phaawulos irraa durse. Tarii Phaawulos mataan isaa jecha kana uumeeti ta'a (fuula 34).

Frank Stagg, *New Testament Theology* , (xin-waaqummaa Kakuu Haaraa yaada ajaa'ibsiisaa qaba.

"Lama dhallachuu fi haara'uun Waaqayyoo qofaan kan inni ta'uu NAKKINOSIS "haara'uu" jecha, maqaa gochaa fi Kakuu Haaraatti fayyadama irra kan ooluu boca gochamaa wajjin, itti fufeenya kan qabu haraa'umsa ibsuudhaaf, akka Roon 12:2, 'har'umsa lapheetiin jijjiramaa' fi 2 Qoro 4:16 'namummaa keenya keessaa garuu guyya guyyaadhaan haara'a" Qolo 3:10 "namummaa haaraa" dha kan inni ibsuu akka 'haara'ee fi beekumsa keessatti bifa isaatii kan uume kan fakkaatu'. Egaa 'nama haaraa' 'jireenya haaraa' 'lama dhalachuu yookaan 'haara'uu' ta'ees kan mogaafame, gocha ka'umsa ta'ee dha akkasumas itti fufeenya kan qabuu gocha Waaqayyoo akka kennutii fi jireeny bara baraa kan kenuu (fuula 218)

▣ "**Irra deebi'ani ofii isaaniif ni fannisu hoo"** wal makaa Girikii (anastauroo) hiiki isaa kan ta'u "fannisu" (yookaan "mismaaraan rukkutuu" dha, kun bifa jabaateen JB, NEB fi hiika Moofat irra

jira)yookaan “deebisani fannisuu” (NASB, NKJV, NRSV, TEB, NJB, NIV). Kan kakuu haaraa hundee jecha Ingillifa Girikii Baayuur, Arindet, Gingirich, fi Daanker, kan jedhu, “Girikiitti kitaaba qulqulluu dabalataa sagaleen kun yeroo hundumaa kan inni jedhu fannoo” dha (fuula 61). Turtuliyaan dubbifama kana kan inni fayyadamu dursa cubbuun cuuphamuu akka dhiifama hin goone mirkaneesuuf.

Abbooti Girikii durii marsaa barreefamaa kanaa fi wal makaa isaa ‘*ana’* wajjin kan hubatan “irra deebiin fannisuu” jechuudhaan, innis baay’ee isaa kan ammayyaa hiikoota ingilliffaa duuka bu’ee kan dhufu. Kun akkamitti akka barumsa hafuuraa ganuu wajjin wal qabataa? Inni amantootatti bu’a, ta’us, bifa cimaa ta’een “dhuunfaatti mismaaraan rukkutuu” duukaa ba’ee, akkasumas kan hin amanne kan eeruu dha. Hiiktootni barreefamichi akka dubbatu eyyamuutu isaan irra jiraata, dursa murtoo barumsa hafuuraa ofi isaanii yookaan seera barumsa hafuuraa osoo hin taane. Barreefamni kun baay’ee rakkisaa dha, ifatti hiikuudhaaf. Yeroo hundumaa akkuma beeknuutti yaadna, inni maal akka jedhu yookaan akka hin jenne, wal’ansoo qabuu keenyaan dura

1. Kitaabichi akka walitti qabaatti
2. Of eegachiisawwan afranuu, keessaa iyyuu
3. Adda kan ta’e akkaataa haala barreefamichaa

Ta’es tokkoo isaan barreefamoota kana yoo hiiku, of-eegachiifni dhugumati!

◘ **“Salphisaniiruu hoo”** jechi kun Mat. 1:19 faayidaa irra ooleera, Yooseef Maarihamiin mul’isuuf jaallachuu dhiisuu isaa. Kun akkamitti haala barreefamaa wajjin walitti dhufaa? Kun akkasumas kan inni eeru jalqabi fannifamuu Yesus ta’a, “salphina mul’inatti”, “dabalataan” kan jedhu ambisuuf.

**6:8** kun Uma. 3:17-19 yookaan Isa. 5:1-2 labsi fudhatame ta’u danda’a, yookaan immoo fakkeenya lafichaa, Mat. 13 irratti kan jiru. Ija godhachuuu amantii dhugaa barbaachiisaa walitti dhufeenyi ragaadha. Ragaa ijoo dha, sababa osoo hin taane!

## BARREEFAMA 6:9-12

**9Nuyi yoo akkas dubbanne iyyuu, michoota nana, isiniif wanti wayyu fayyina keesanii wajjin akka dhufu in amanna. 10Waaqayyo hoji keessanii fi isa jaallachuu keessan isa isin warra isaaf qulqullaa’an gargaartanii, ammas gargaaruutti jiraachuu keessaniin argisiiftan hin irraanfatu, hin jal’isu. 11Isinis abdicha guutummaan isaa kan hin mamsiifneta’uu isaa beektanii, tokkoon tokkoon keessan isumaas dhimmuu keessan hamma dhumaatti akka argisiiftan in barbaanna.12 Isin daagii utuu hin ta’in, fakkeenya warra amantii fi obsaan wanta abdachiifame argachuuf jiranii akka fudhattan in barbaanna.**

**6:9 “Michoota nana”** keeyatni kun kan inni argisiisu barreessichi dubbistootaaf kan inni qabu jaalala gadi fagoo fi kunuunsuu dha. lak. 11 kan inni eeru (1) “fedhi” innis “fedha guddaa” kan jedhuun kan hiikamee fi (2) “tokkoon tokkoon keessan,” kan inni argisiisu yaada karaa hundumaati.

◘ **“Caalchisee kan fooyya’ee fi fayyinaaf kan ta’e akka isiniif ta’u hubanneera”** kun kan gocha xumuramee kan argisiisuu kan isa baay’eti. Barreessichi amanachuu qaba, isaan michoota dubbiftoota kiristaanoota ta’uu isaanitiifi akka ta’utti hojjeechuudhaaf itti fufuun akka isaan irra jiraatu.

“kan wayyuuf” 7:7 irratti kan jiruu yaadannoo guutuu ilaali.

◘

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **“wantoota fayyuu wajjin deeman”** |
| **NRSV** | **“fayyinaaf wantoota ta’an akka”** |
| **TEV** | **“fayyummaa isaani wajjin kan ta’an”** |
| **NJB** | **“gara fayyinaatti kan fudhatan”** |

Gaaleen Girikii kun akkuma jirutti “fayyina (kan ammaa keeyata giddu galeessa Booz) qaba” , innis kan fooyya’an wantoota” kan ibsu kan lak, 9.

**6:10 “Hojii isaanii hojjedhuudhaaf”** Waaqayyo fuulaa fuulatti farada,

1. Kitaaba jireenyaa irratti hundaa’ee **(**Kes.32:32-33, Faru. 69:28, Dan. 12:1, Luq. 10:20, Fil. 4:3, Inb.12:23, Mul. 3:5, 13:8, 17:8, 20:12, 15, 21:27)
2. Kitaaba hojii irratti hundaa’ee (Faru. 56:8, 139:16, Isa. 65:6, Mil. 3:16, Mat. 25:31-46, Gal. 6:7)

⊡ **“Qulqulloota waan tajaajiltaniif amma ammaattis waan isaan tajaajiltaniif, hojii hojjetan jaalala namootatti argisiiftan”** ammam illee isaan amantootni Yihudii guutuu guutuutti waldaa kirstaanaa wajjin yoo hin mul’annees, waldaa kristaanaa gargaaraaniiru, yeroo hari’atamuu isheetti (10:32-34). Godoon seera qabeessa ta’uu isaa yaadadhaa, waldaan kirstaanaa immoo seera- malee, seera Roometti yeroo kana!

“Qulqulloota” *(hagioi)* akkaata barumsa hafuuraatti sagaleen “qulqulluu” *(kadash)* wajjin walitti dhufa, hiiki isaas “tajaajila Waaqayyoof adda ba’u” (1Qor. 1:2, 1Qor. 1:1, Rom. 1:1, Efe. 1:1, Fil. 1:1). Innis yeroo hundumaa kan baay’eetti kakuu haaraatti, Filiphisihos 4:21 irratti yeroo tokkoon ala, achitis illee yoo ta’e faayidaa irra kan oole bifa adda ta’een. Fayyuu jechuun miseensa amantii hawaasaa ta’uu jechuu dha, maatii amantootaa.

Sabni Waaqayyoo qulqulluu dha Yesus Kristoosiin sababa qajeelina kennuuf (Rom. 4 fi 2, Qor. 5;21). Jireenya qulqullaa’ee akka jiraataniif fedha Waaqayyooti (Efe. 1:4, 2:10, 4:1, 5:27, Yaq. 2:14-26, 1Phex. 1:16). Amantootni lamaanuu, qulqulluummaa isaaniif labseera (kan ejjennoo qulqullaa’u) fi akkaatee jireenya qulqullummaaf filatamaniiru (qulqullaa’uu itti fufeenya qabu). Kun barbaachiisaa barumsa hafuuraa kakuu haaraa dhiibbaa dha “mootummaa Waaqayyo duraan dursee ta’u” fi “mootummaa Waaqayyootti sichi ta’u” gidduu.

## MATA DUREE ADDAA: QULQULLOOTA

Kun jecha Giriikii, kan jecha Hibruu isa, Kadash, jedhuu fi wanta, nama yookiin iddoo YHWH’n qofti akka itti fayyadamuuf adda ba’e kan agarsiisu, bakka bu’udha. Akka afaan Ingiliziitti yaada ‘the saerel’ jedhu kan agarsiisudha. YHWH’n akkaataa (Hafuura, umamaa kan hin taane, bara baraan kan jiraatu) fi amala (quqlullummaa) isaatiin nama irraa adda kan ta’edha. Inni safara wanti hundumtuu ittiin madaalamuu fi wanta hundumaattis fardaamudha. Innis sammuu namaatti ol kan ta’e (qulqullummaa, ogummaa fi beekumsa isaatiin), Quqluluu isa tokkoo fi Qulqulluu isa biraadha.

Waaqayyo namni akka isaa wajjin jiraatuuf uume, garuu kufaatiin namaa (Uma. 3), Waaqayyo isa qulqulluu fi nama isa cubbamaa gidduutti gufuu walitti dhufeenyaa fi miiraa uume. Waaqayyo uumama isaa isa yaaduu danda’u kana deebisuu fo’ate; kanaaf, Ini sabni isaa “qulqulluu” akka ta’aniif ni waama (cf. Lew. 11:44; 19:2; 20:7,26; 21:8). Walitti dhufeenya amantii YHWH wajjin qabanii kakuu isa keessatti qabaniin sabni isaa ni qulqullaa’u, garuu qulqulluu ta’anii akka jiraatnaiifis waamamaniiru (cf. Mat. 5:48).
Jireenyi qulqullaa’aan kun, amantoonni karaa hojii fi jireenya Yesuus Kiristoosiin guutummaatti fudhatama waan qabaniif, akkasumas Hafuurri Quqlulluun sammuu fi laphee isaanii keessa sababii jiruuf, ni danda’ama. Kun wanta dhugaa hin fakkaanne, garuu kan dhugaa ta’uu danda’u uuma. Kunis

1. Sabii quqlulluu ta’uu Kiristoosiin qulqullaa’uu
2. Sababni Hafuurichi jiruuf, qulqulluu ta’anii jiraachuutt waamamuu.

Amantoonni “qulqulloota” (hagioi)dha. Sababiin isaas jireenya keenya keessa (1) fedhiin isa qulqullu (abbaa); (2) Hojiin ilam isa qulqulluu (Yesuus); fi (3) Hafuurri qulqululluun waan jiraniifidha.
Kakuu Haaraa keessatti quqlulloota kan jedhu yeroo hundaa baay’ina agarsiisa (Fil. 4:12 irraa kan hafe, achitti iyyuu garuu yaada baay’ina agarsiisu of keessaa qaba). Fayyuun, qaama maatii, qaamaa, ijaarsaa ta’uudha! Wangeelatti amanuu dhuunfaatti fudhachuudhaan jalqaba, garuu walitti dhufeenya/hordoffii walitti fufiinsa qabu barbaada. Nu’i hundumti keenya kennaa qabna (cf. 1Qor. 12:11) Kunis, fayyaa, guddinaa, fi nagaa qaama Kiristoosiif waldaaf (cf. 1Qor. 12:7) kan ta’udha. Nu’i akka tajaajilluuf fayyine! Qulqullummaan amala maatiiti!

**6:11 "Wabii guutuu"** kun akkaatee gocha jireenyaa wajjin akka walitti dhufan hubadhaa (Yaqoob, 1Phexiroos, fi 1Yohaannis). Wabiin duraan dursee jajjabinaaf Doktriinii ta'u miti, ta'us garuu jireenya jiraatanii dha (Mat. 7).

▣ **"Amma dhumaatti"** sabriin doktiriinii dhugaa kitaaba qulqulluuti, akka fayyummaa. Ija isaaniitiin isaan beektu (Mat. 7, Yaq. 2:14-26). Sabri irratti kan jiru yaadannoo 4:14 ilaali, dabalataanis mata-duree addaa 7:11.

**6:12 "Dhibaa'aa"** kun jecha wal fakkaataadha akka "jufunfullaa" (5:11). Innis "tattaaffii" wajjin faallaadhaan faayidaa irra ooleera, lak. 11 irratti. Kristoosiin fakkaachuudhaan kan hin guddanne amantoota yookaan ergama isa guddaa ta'uu akka ta'utti kan hin taane kristaanoota (12:1-3) .

▣ **"Amantiidhaa fi obsaan sagalee abdii isaa kan dhaalan akka fakkaatan"** kun kan inni eeru boqonnaa 11 irratti kan jiru kan amanamummaa waamamu kan argisiisu. Isaan kan kakuu moofaa amantootni amanaman hanga dhumaatti walitti bu'iinsa guddaa fi qorumsa gidduu darbeera, yeroo hundumaa du'a foonii kan fidu (yeroo hundumaa boqonnaa 11 irratti akkasumas 12:4 irratti). Abdiiwwan Waaqayyo kan 6:13-20 keeyatootni xiyyaafannoo dha. Isaan amansiisaa fi kan amanamanii dha, inni dhugaadhaa fi kan amanamee waan ta'eef!

## Mata duree addaa:Dhaala Amantoota

Macaafni qulqulluun amantootni wanta baay'ee akka dhaalan ibsa, sababa walitti dhufeenya Yesus Kristoos wajjin qabaniif, innis dhaaltuu hundummaa kan ta'ee (Ibiroota 1:2), isaanis dhaaltuu isaa wajjini (Roomee 8:17, Galaatiyaa 4:7)

1. Mootummaa isaa (Maatihos 25:34, 1 Qoro 6:9-10, 15:50)
2. Jireenya barabaraa (Maatihos 19:29)
3. Abdiwwaan Waaqayyoo (Ibiroota 6:12)
4. Waaqayyoo abdii isaa eeguu isaa (1 Pheexiros 1:4, 5:9).

## IBROOTA: 6:13-20

**13Waaqayyo, Abrahaamiif kakatee abdii kenneef; ittiin kakkachuudhaaf kan isa irra caalu waan hin jirreef, ofii isaatiin kakate. 14Abdichi inni kakaadhaan kennames, "Ani dhuguma sin eebbisa, dhuguma sin baay'isas" kan jedhu ture. 15Abrahaamis akka kannaatti obese waan Waaqayyo isa abdachiise argate. 16Namoonni kan isaan irra caaluun in kaktu; kakaan immoo wantanamni walitti falmu dhumaan ga'ee, dubbi dubbatame cimsuudhaaf in ta'a. 17Waaqayyo akeeki isaa kan hin geddaramne ta'uu isaa, addumaan warra wanta abdachiifame argachuuf jiranitti argisiisuu barbaadee, kakaadhaan isacimse. 18Waaqayyo abdii fi kaka hin geddaramne sobnis keessa hin jirre kana lamaaniin jajjabina cimaa akka argannu barbaade; nuyi warri isatti baqanne abdii isa nu duraa kaa'ame kana jabeessinee in qabanna. 19Akka qofoon sibiilaa markaba qabee dhaabuu, nuyis abdii amanamaadhaa fi cimaa lubbuun qabatee dhaabatu qabna; inni iddoo hundumaa irra caalaa qulqulluu gara isa keessaa iyyuu in ga'a. 20Iddoon sun isa Yesus inni akkuma lubummaa Malkiisedeqitti bara baraan angafa lubootaa ta'ee, dura adeemee nuuf lixee dha.**

**6:13-20** kun isa cimaa kan fayyinaa fi jecha abdiiti, amala fi abdiiwwan Waaqayyoo irratti kan hundaa'ee (lak. 18A), nu deebii ta'uu kennuu kan dandeenyu yoo ta'e qofa (lak. 18B).

**6:13 "Yeroo Waaqayyoo Abraamiif abdii kenneetti"** Abiraahim sababa inni eerameef abbaa saba Ibirootaa godhamee waan fudhatamuuf, innis Yaahiwween abdiiwwan kan kakuu kan godheef (Um. 12,

15, 17, 18, 22), akkasumas dabalataan Malkasedik wajjin waliitti dhufeenyi inni qabu (Uma. 14). Waaqayyo irratti amanti inni qabu seera fuuldura kan ba'ee dha, kanaaf akka kallatti kakuu haaraatti faayidaa irra oola, amantii kan godhatan hundumaaf (Rom.4).

Dabalataanis akka barumsa hafuuraatti ni danda'ama, Abirahaam kan inni fillameef abdiin Waaqayyoo kan isaa isaan hojii irra waan hin ooleef, ta'us garuu Waaqayyoon abdii haalaan hin taane malee (Uma. 15:12-21, "kakuu haaraa" akka ta'e hundumaa Erm. 31:31-34, Hiz. 36:22-38), Musee wajjin kakuun ta'e aboomamuu irratti kan hundaa'e ta'uu isaan, kakuu haalaa (Kes. 27-28).

▣ **"Ofi isaan kakateera"** kun haala kakuutiin kan inni argisiisuu Um. 22:16-17 dha (aarsaa Abraahaam Yisihaqiin) yookaan akkaata haala barreefamichatiin Faru. 110:4 (7:17, 21). Kakaawwan Waaqayyoo fi abdiwwan ta'uu kan danda'an (lak. 16-17). Kun kan keeyaticha humna barumsa hafuuraati. Abdiin keenya amala hin jijjiramneedha (Faru. 102:27, Mil. 3:6, Ibr. 13:8) fi abdiiwwaan Waaqayyoo (Isa. 40:8, 55:11). Isaan "lmmaanuu wantoota hin jijjiramne " dha kan lak. 18!

**6:14** kun kutaa warra Ibirootaa kan barreessichaa luqisii kakuu moofaa of keessatti qaba, kan Abiraahamiin. Waaqayyoo abdiiwwan kenneera karaa Yisihaqiin sanyii baay'ee akka qabaatu. Rakkoon barumsa hafuuraa kan Abirahaami sanyiiwwan uumamaa isaa hunduu amanamummaa Yaahiwwee kan duukaa bu'an ta'uu isaaniti. Isaan "kan kakuu" "kan filataman" namoota turan, ta'us garuu hunduu amantii dhuunfaa hin shaakalle turan (Lak.18B).

**6:15** kun kan amantii guutuu Abirahaamiin hin ibsu (ijoolleen isaa ijoollee dubaraa baay'ee qabu, inni Saaraa yeroo lama dabarsee kennuudhaaf yaaleera, jireenya isaa oolfachuuf) sagalee Waaqayyoo kan ilaalate garuu kan isaa laphee amanamaa fi aboomamuu. Abiraahaam, akka namoota kan biroo hundumaa, kan amantii fi kan soda hameenya irraa kan adda ba'ee wal makaan kan irra jiru nama dha.

**6:18 "karaa lamaan waan hin jijjiramne"** kun kan kakuu Waaqayyoo argisiisa (Faru. 110: 4, 5:6, 6:20, 7:17 irratti kan eerame) fi abdii Waaqayyo (lak. 14). Sagaleen Waaqayyoo wabii keenyaadha (Isa. 55:11, Mat. 5:17-18).

▣ **"Waaqayyoo sobuu karaa hin dandeenyeen"** kun kan eeru ta'uu danda'a Lak. 23:19 yookaan 1Sam. 15:29. Kun dhugaa wal fakkaataa Phaawulosiinis mirkanaa'eera 2Xim. 2:13 fi Tito. 1:2 irratti. 6:6 irratti kan jiru yaadannoo guutuu ilaali.

▣ **"Nuu sitti koolu galuuf"** kun walitti dhufuu kan inni danada'u

1. magaalaa koolu gala kakuu moofaa (Lak. 35:6, Kes. 4:41-43, Iya. 20)
2. yeroo qilleensa galaana irrattti fakkiduu bakka buufataa (2:14, 6:19**)**
3. Waaqayyoon akka daannoo jabaatti fakkiduu argisiisu, sabni isaa bakka itti koolu galu (Faru. 18:1-2, 31:3, 91:2, 9, 94:22, 144:2, Isa. 17:10, 25:4, Erm. 16:19, Iyu. 3:16, Nah. 1:7)

▣ **"Fuula keenya dura abdii jiru qabachuudhaaf nuuf jajjabina cimaa akka nuuf ta'uuf,"** lak. 18 irratti kan barumsa hafuuraa madaalli qaban, kan amaname, Waaqa guddaa (Lak.18A) isaan namootni deebii kennuun kan isaan irra jiraatu, kanaaf deebii kennuudhaaf amantiidhaan hanga dhumaatti itti fufuu kan isaan irra jiraatu (Lak. 18B).

**6:19 "Gadiitoo"** kun kan durii mallattoo kiristaanaa ture, fayyinaaf, eegumsaaf, fi abdiidhaaf. Innis keenyaan Katakombi Roome irratti argama. Sagleen kun faarfanicha itti yaada,

"lubbuu koo boqonnaa samii irrrattin gate gadiitoo koo,

Kanaan booda hin liqimfamu dhahaa galanootaan.

Dhahaan galaanicha boola gadi fagoo keessaa balfa haree deemuu danda'a,

Yesuusiin garu kana booda fayyina nan qabaadha"

▣ **"Kan hin jijjiramne"** mata duree addaa: waabdii 2:2 irratti ilaali.

▣ **"Gara golgaa keessatti kan gale"** asitti abdii gadiitoo angafa lubaa Yesus wajjin wal cina ta'eera, gara mana qulqullummaa waaqa irrraatti galuu isaatiin (8:5, 9:23), keessaa iyyuu gara qulqulluu qulqullootaa, innis bakka argama Waaqayyo bak-buusaa kan ta'e. Abdiin amantootaa amala fi abdii Waaqayyooti, kanaas karaa Yesus Kristoosiin hojii xumurame.

Kun kan Pilaatoo miti (bocawwn lafa irraa yookaan yaada waaqa irraa), ta'us garu kan samii irraa manni qulqullummaa akkina, Museef gaara siinaa irratti kan mul'ate (8:5, Bau. 25-40). Kan akkassi argamuun immo maramaa garba du'aa irrattis ni argaman. Yaadni akka kanaa (jechuun, kan waaqa irraa garuu galagalcha lafa irraa) yeroo falasafaa Girikii Pilaatooti ni dursa. Innis kan nutti hin mul'anne garuu Kristoosiin dhugaa kan ta'e abdii ni mul'isa (9:23).

**6:20 "kan dursu"** jechi Girikii faayidaa irra kan inni oole (1) dursee kan deemu barbaaduuf, karaa sirrii kan hubannuu fi mallattoo kan itti godhu (jechuun, yaada haaraa kan madisiisu) yookaan (2) doonii xiqqoon doonii guddaa gara buufataatti oolchuuf kan geggeessu, Yesus amantoota fuuldura adeemeera, karaa barbaachiisaa hundumaan _ mo'aa, giddu galeessa, fayyisaa, luba, fi haarsaa guutuu!

## GAAFFILEE MAREE

Qajelfamni qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta'u, sana jechuunis garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaatti hiikuun itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. tokkoon tokkoon keenya ifa nu kennameen adeemuutu nurra jiraata. Hiktoonni jalqabaa si, kitaaba qulqulluu fi hafuura qulqulluu dha. kanas deebiftee kan hiike irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Gaaffileen maree kun kan kennaman kutaa kitaaba kanaa dhimmoota gurguddaa akka ta'utti akka qayyaabatu akka si gargaaruuf. Kana jechuunis akka ta'utti akka xiinxaltu si kakaasuuf malee kana qofaan akka daangooftu miti.

1. Lak. 2-4 irratti yaada-ijoo Kirstaanaati yookaan dhugaa Yihudummaa?
2. Kitaabni warra Ibirootaa "ayyaana irraa kufuu" nu barsiisaa? Maaliif yookaan maaliif hin barsiisuu?
3. Kitaaba kana irratti yoomessaa seenaa hiika ta'uu qabuuf maaliif baay'ee faayida qabeessa ta'e?
4. Kitaabni qulqulluun kan inni nu barsiisu dhugumatti kan oolfaman hanga dhumaatti kan jabaatanii dha yookaan hanga dhumaatti amantiidhaan kan jabaatani dha kan oolfaman?
5. Lak. 4-6 kan isaanitti himamae isaan amantoota dha kan hin ammane? Maaliif?
6. Lak. 9 irratti kan jiru "isin" lak. 4 irratti kan jiru "isaan" wajjin akkamitti walitti dhufa?
7. Amantoota hari'atama isaan mudate ibsi
8. Lak. 18 irratti wantootni lama hin jijjiramne isaan kami?
9. Lammannuu olaantummaa Waaqayyooti fi fedhi bilisaa namaa lak. 18 irratti akkamitti wal madaalu?
10. Amala Waaqayyoo fi hojii Kristoosiin raawwatame akkamitti walitti dhufu, lakk. 13-20?

# IBIROOTA 7
# HIIKAWWAM HAARAAWA RAMADDIWWAN KEEYATAA

| UBS[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Muudama lubumma Malka Tsadiiq | Mootii qajeelinaa | Lubummaa Malka Tsadiqii fi lubummaan Leewota yeroo walbiratti madaalamu | Malka Tsadiq lubicha | Malka Tsadiq |
| 7:1-3 | 7:1-3 | 7:1-3 | 7:1-3 | 7:1-3 |
| | | | | Malka Tsadiq Abrhamii irraa kurnoo fuudheera |
| 7:4-10 | 7:4-10 | 7:4-10 | 7:4-10 | |
| | Llubummaa haaraa barbaachisa | | | 7:4-10 |
| | | | | Lubummaa Lewotaa irara gara lubummaa Malka Tsadiiq |
| 7:11-19 | 7:11-19 | 7:11-14 | 7:11-14 | |
| | Guddummaa lubicha isa haaraa | | | 7:11-12 |
| | | 7:15-19 | 7:15-19 | 7:13-14 |
| | | | | Seerri inni moofaan hafuu isaa |
| | 7:20-28 | 7:20-25 | 7:20-22 | |
| 7:20-25 | | | 7:23-25 | 7:15-19 |
| | | | | Lubummaa Kiristoos kan geeddaramu miti |
| | | 7:26-28 | 7:26-28 | 7:20-25 |
| 7:26-28 | | | | |
| | | | | Angani lubootaa inn waaqa irraa Guutuu ta'uu isaa |
| | | | | 7:26-28 |

**MARSAA DUBBISAA SADII (fuula vi ilaali kutaa seensaa)**
**YAADA BARREESSAA JALQABAA SADRKAA KEEYATAAN DUUKA BU’UU**

Qajeelmani qayyabannaa hiika yeroo ta’u, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu ofii keeti yeroo hiiktu itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kenameen deddeebi’uutu nurra jira. Hiiktooni jalqabaa si, kitaaba qulqulluu fi hafuura qulqulluudha. Kanaas deebifte kan hiiku irratti jechama kan biraan akka hin fudhanne.

Boqonnicha of irra gadi taa’uu tokkoon dubbissi. Yaada-ijoowwan irratti (marsaa dubbifama lak. 3 fuula viii) . Yaada-ijoo kee ramaddiiwwan gara olitti tarreefaman hiika shanan wajjin wal bira qabi. Ibsi guutuun keeyaticha irratti argamuu yoo baatees hiiki yaada barreessicha jalqabaa ta’e inni guddaan irratti ni argama. Tokkoon tokkoon keeyataa yaada ijoo tokkoo fi tokko qofa qabateera.

1. Keeyata tokkoffaa
2. Keeyata lammaffaa
3. Keeyata sadaffaa
4. K.K.f…

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

**IBROOTA 7:1-3**

**1 Malkiisedeq kun mootii Saaleem, luba Waaqayyoo isa hundumaa gararraa jiruu ture, gaaf tokko Abiraaham moota tokko rukkutee mo'ates utuu deebi'uu, Malkesedeq karatti itti adeeme isa eebbise. 2Abiraaham immoo waan hundumaa irraa kudhan keessaa tokko qoodeef; Malkesedeq akka hiika maqaa isaatitti tokkooffaa "Mootii qajeelummaati" akkasumas mootii Saaleem, inni immoo, "Mootii nagaa" jechuu dha. 3Inni abbaa, haadha, yookis, hidda dhalootaa hin qabu; barri jireenya isaas jalqabaaf dhuma hin qabu; garuu akka ilma Waaqayyoo bara baraan luba ta'ee hin jiraata.**

**7:1 "Malkesadeq"** inni mootii/luba warra hin amannee ture kan durii magaala Kana'aan, booda irrattti Saaleem jedhamte kan waamamte, booda irratti Jeebus isa booda turee Yerusaaleem. Hiiki maqaa isaatti "mootii tolaa koo". (Baay'eee wal fakkaataa kan ta'e, Yerusaaleem wajjin maqaa mootii wajjin , Iya. 10:1 "kan koo mootii tolaati") Sanyiin isaa raaawwatee hin eeramne, ta'us garuu Abirahaam isaaf kurnaffaa baaseera. Sababa kanaaf barbaachisuuman isaa kan kakuu haaraa kan akka Yesus Kristoos. Inni kan inni eerame Uam. 14:18-20 fi Faru. 110:4 irratti qofa dha. Waa'ee eenyummaa isaattiif walfalmii baay'eetu jiru:

1. Filoodhaaf, inni lubbuu namaaf bak-buusa dha
2. Originiif, inni ergamaadha
3. Ambiroosiif, inni ergamaa Waaqayyooti
4. Kan biroof, inni ergamaa biyyaatti, Mikaa'eel
5. Epifenesiif, hafuurri qulqulluun foon uffachuu dha
6. Warra Malkesedeqiif, inni kan Masihii fi karaa isaan kadhata godhamu caala
7. Yihudoota tokko tokkoof, Jooroomii fi Luuter, inni Seem, mucaa Nohiiti

Makesedeq lubummaa Yesuusiif sababa afuriin faayiida irra ooleera:

1. Abiraaham isaaf kurnaffaa baaseera (inni xiqqaan yeroo hundaa isa guddaaf kurnaffaa baasa) kanaaf seera hiika barsisootaan akkasumas Leewiif kurnaffaa baaseera (lak. 4-9)
2. Maatiin isaa hin ibsamne, kanaaf seera hiika barsiisootaan kan inni jedhu inni maatii hin qabu, fi kanaaf kan bara baraati (lak. 3, Faru. 110:4B)
3. Inni geggeessaa ture, magaala qulqulluu ishee gara booda, Yerusaalem (Saleem, Um. 14:18)
4. Inni luba Waaqayyoo isa ol-aanaa turee (jechuun, El Elyon, Um. 14:18)
5. Inni barreesichaaf eyyameera luboota seera ha hundeesuuf, lubummaa Leewii irraa kan adda ta'e.

▣ **"Mootii…Luba"** inni kakuu moofaatti nama isa tokko, mootii ta'uu lubummaa wajjin kan walmake (jechuun, Faru. 110).

▣ **"Ni eebbise"** inni guddaan isa xiqqaa ni eebbisa, kanaaf, Abirahaam (tokkuummaa barsiisootaan sanyi isaa, Leewii), Malkesadeqiin eebbifameera (Um. 14:14), kunis inni lubuummaa Aroonootaa irratti harka caalu akka qabu ni argisiisa. Innis immoo Yesus, gosa Yihudaa irraa kan ta'e, seerrata luba adda ta'ee irraa ta'u danda'a.

**7:2 "Kurnaffaa"** kurnaffaan (Um. 14:20) seera Musee akka dursu hubadhu. Inni kan akka gosa sanbataa fi hundumaafuu ija irratti kan hundaa'e abbaan isaa Waaqayyoon ta'uu isaa ilaaluuf dha (Um. 14:19 C).

▣ **"Hiikni maqaa isaas"** "mooti tolaa" kan jedhu gaalee hundee jechaa adda ta'e kan mirkanneessu miti, ta'us garu waamamni wal fakkaatan Masihiidhaaf faayiidaa irra ooleera, Erm. 23:6 irratti ("Waaqayyo tola keenya") fi 33:16 ("Waaqayyo tola keenya"). Dabalataanis, Masihichi qajeelaa dha nagaas ni fida (Isa. 9:6, 26:3, 12, 32:17, fi 54:10).

▣ **“Saalem”** magaalatiin kun tarii maqaa ishee kan argate jecha Ibirootaa irraa Shaalom */shalom/* dha, hiiki isaas “nagaa.” Ayyooni tokko tokko kan isaan yaadan inni kan inni argisiisu kan Joobustiin ergamaa dha. Nagaa magaalatti jedhamtee Um. 14 irratti waamamteetti, ta’us garu, Faru. 76:2 Yerusaaleem wajjini dha kan inni wal qabsiisu/jechuun, Tsiyoon/, innis Juubis jedhamuun yeroo Kana’anootaatti waamamaa kan ture.

**7:3** kun seeera hiikaa barsisootaati (*midrash*, yaadannoo sadii ilaali) Malkesedeq irraa (Um. 14:18-20 irratti eeramu dhiisuun isaa irratti hundaa’uun. Akka namoota kan biroo Malkesede maattiiwwan qabaachuu danda’a, ta’us garuu kan inni tajaajilu akka Masihii bara baraatti /lak. 8/’ kunnis 8, 12, 16, 17, 21, 24, 25, 28 irratti dabalameera.

▣ **“Jalqaba”** mata duree adda: *Archê*‘ 3∶14 irratti ilaali.

## IBROOTA 7:4-10

**4Egaa Abiraahaam abbaan qomoo wanta booji’ee keessaa kudhan keessaa tokko erga isaaf kennee, Malkesedeq kun guddaa attami akka ture kanaan in argitu. 5Sanyi Leewi ta’ani warri hojii lubummaa filata, kudhan keessaa tokko saba isaani irraa akka fuudhan, seeran aboommi qabu; kudhan keessaa tokko sanas warra obbooloota isaani akkuma isaanis sanyi Abiraama turan irraa fuudhu jechuu dha*. 6Namichi kun garuu sanyi isaani keessaa utuu hin ta’in, Abirahaam isa abdiin kennameef irraa kudhan keessaa tokko fudhate, isa eebbise. 7Inni xinnaan harka isa isa caaluutti akka eebbifamu, namni falmu hin jiru. 8Kudhan keessaa tokkon inni kun namoota du’uuf jiraniin in fuudhama; inni sun garu luba isa in jiraata jedhamee dhugaa ba’ameef sanaan fuudhame. 9Leewiin inni sanyi isaa kudhan keessaa tokko fuudhu ofi isaati iyyuu, yeroo sana karaa Abirahaam “kudhan keessaa tokko baaseera” jechuun ni danda’ama. 10Yeroo Malkesedeq Abirahaamitti adeeme, Leewin mudhi habaabilli isaa keessa ture.**

**7:5 “Isaan ammam illee sanyi Abirahaam yoo ta’anis”** kun loojikii barsiisootaati, Leewiin mudhii Abiraahim keessa utuu jiru ture kan jedhu irra dhaabbachuun (lak. 10). Kun hiika Yihudiiti, dhugaa saayinsii utuu hin ta’in.

**7:7 “Isa guddaa”** kitaabni Ibiroota wanta isa guddaa kakuu Musee fi kakkuu haaraa Kristoos gidduu wal dorgomsiisuu dha. Wal madaalchisuun isaas yeroo hundaa “guddaa” (*kreittôu/kreissôu*) jecha jedhuuni dha kan inni ibsamu, hiikni isaas “kan fooya’e” “kan caaluu” “baay’ee kan fooya’e,” “gatii guddaa kan qabu,” sadarkaa ol aanaa.” Kun kan Ibirootaa ergaa irra deddeebi’amee dha.

1. Ergamaa irra baay’ee kan caaluu (1:4)
2. Waa’ee keessaniif waan fooyya’aa (6:9)
3. Inni xiqqaan isa guddaadhaan akka eebbifamu (7:7)
4. Abdii fooyya’aadhaan (7:19)
5. Kakuu fooya’aadhaan (7:22, 8:6)
6. Aarsaa fooya’aadhaan (9:23)
7. Dhaala fooyy’aa (10:34)
8. Du’aa ka’uu fooyya’aa (11:16)
9. Waaqayyoo waan fooyya’aa kenneera (11:40)
10. Dhangalaa’uu dhiiga isaatti fooyya’aan dubbata (12:24)

**7:8 “Jireenyatti akka jiraatu”** kun kan inni argisiisu bara barummaa Melkesedeqiiti, sababni isaa (1)Maatiin isaa/hidda sanyi/ Uma. 14 irratti waan hin eeramneef yookaan du’I isaa waan hin galoofneef, akkasumas immoo (2)Faru. 4b yaada adda ta’e (“bara baraan”).

**7:9-10** kun hiika warra barsiisootatti. Leewwiin gosa Aroon sanyi Abirahaam hanga ta’ee jirutti, akkasumas karaa wal fakkaataan, lubummaa Yihudii/jechuun, angafni lubaa illee/ Melkesedeqiif kurnaffaa baaseera. Kanaaf Melkesedeq nii caala.

## IBROOTA:7:11-22

**11Ammas karaa seera lubummaa Leewwiidhaaf kennamee sana fiixaan baafachuun utuu argameera ta’ee, inni akkuma lubummaa Aaronitti waamamee hafe, lubni biraa akkumma lubummaa Malkesedeqitti kaafamuun maaliif barbaachise ree? Lubummaa Leewwii irratti sabni kun seera argate. 12Lubummaan sun yeroo geddaramu, seericha keessattis geddaramni gidduutti in barbaachisa. 13Inni amma waa’ee isaatiif dubbatamu immoo, gosa kan biraa keessaa ture; gosa kana keessaa namni takkaa akka lubaatti iddoo aarsaatti hin hojjene. 14Gooftaan keenya gosa Yihudaa keessaa akka dhalate beekamaa dha; Museen waa’ee gosa kanaa yeroo dubbate immoo, waa’ee luba ta’uu isaanii homaa hin dubbanne. 15Lubni biraa inni akka Malkesedeq gaafa ka’u immoo, inni dubbatame kun caalaadhumatti mul’ata in ta’a. 16Lubni sun akka seeraa fi abboommii biyya lafaa kanaatti hidda lakkaa’uudhaan utuu hin ta’in, humna jireenya hin badneetiin luba ta’e. 17Waa’ee isaatiif caffata qulqullaa’aa keessatti, “Akkuma lubummaa Malkesedeqitti, ati bara baraan luba in taata” jedhamee dhugaa ba’ameeraaf. 18Karaa tokko seerri inni duraa sun dadhabbii isaatiif, waa’ee utuu hin basin hafuu isaatifis diigameera. 19Seerichi, wanti tokko iyyuu fiixaan akka ba’u hin goone; karaa biraa immoo, abdiin caalu inni nuyi ittiin waaqayyotti dhi’annuu iddoo bu’eera. 20Kun akka malee hin taane; warri duraan luboota ta’aanii hojii isaanii yeroo fudhatan, Waaqayyo hin kakkanne. 21 Inni kun yeroo lubummaa fudhate garuu Waaqayyo in kakteef, waa’ee isaatiif caaffata qulqullaa’aa keessatti, “Gooftaan, ‘Ati bara baraan luba in taata’ jedhe kakateera, egaa inni yaada isaa hin geddaru” jedhamee caafameera. 22Kanaanis Yeyus walii galtee isa caalu isa kakaadhaan dhaabate sana akanamaa godhe.**

**7:11 “Akka”** kun ramaddii lammaffaa haalaati, innis dhugaa wajjin kan wal faalleessu jedhamee kan waamamu. Ibsa guddaa sobaatti kan godhame, tuqaa isaa gochuuf. Lubummaan Lewwii guutuummaa hafuuraa yookaan bilchina hin fidne.

▣ **“Muda-malleessummaa”** maatii Girikii kan ta’an jechootni telos bu’uura irraa hiikni isaani “gara guutummaatti dhufuu,” dha “gara raawwataattti dhufuu,” “gara bilchinaatti dhufu.” Isaan kun isa kan isaan argisiisan bu’a qabeessaa ga’aa yookaan giddu-galeessa dha.

## Mata duree addaa: Raawwata yookaan guutummaa (TELOIS)

Wantooti hafuuraa kunni guduunfaa qabatamaa irra deddeebi’aa Ibirootan

1. Telos isa dhummaa, raawwata (3:6, 14, 6:8, 11)
2. Teleioo
   a. (Yesus) fayyina isaanii argamni raawwataa gochuudhaaf, karaa rakkinaatiin (2:10)
   b. (Yesus) karaa rakkinaa mudaa malee ta’uuf (5:8-9)
   c. Seerichi mudaa malee in godhuu (7:19)
   d. Ilmii bara baraan mudaa malee godha (7:28)
   e. Isa waaqeessuu mudaa malee gochuu (9:9)
   f. Kan dhi’aatan mudaa malee gochu (10:1)
   g. Kan qulqullaa’aan bara baraan mudaa malee godheera (10:14)
   h. Nu ala isaan gara guutummaatti dhufuu in danda’aan (11:40)
   i. Hafuura nama tolaa mudaa malee godha (12:23)
3. Teleios, kan bilchaate (5:14)
4. Teleios, kan fooya’ee mudaa kan hin qabnee fi kan jiruu qulleessu (9:11)
5. Teleit’s bilchinaa fi gadi qabamuu (6:1)

6. Teleisis, mudaa kan hin qabnee fi Leewotaatti karaa seera lubbootaa kan ta'ee (7:11)
7. Teleiot's, jalqaba amantii keenyaatiif raawwataa (12:2)

Bilchina Ysusi fi mudaa malee ta'uu fideera, kakuun Musee kan hin dandeenye!

▣ **"Egaa sabni isaa luboota Lewwiitiin seera hundeefame fudhataniiru"** kun ifatti kan inni argisiisu (1) Musee gosa Lewwii keessaa ta'uu isaa fi ergamaa Waaqayyo ta'u isaa, aarsaa Israa'eeliif seera itti kennuu yookaan (2)Leowwootaa fi luboota sabicha seericha barsisuu isaanii.

**7:12 "Dabalataanis immoo jijjirama seeraa"** seerri Musee kaayyoon isaa qajeelina fiduuf hin ture, ta'us garuu kan kufaatti itti fufeenya qabu argisiisuu fi ijoolleen namaa Waaqayyoon gammachiisuu dadhabuu isaa argisiisuuf (Gal. 3:24-25). Kun dhugaa isa guddaa dha, Waaqayyoo seera Musee irra kayyoon jiru hubachuuf yaaluun.

Gaaleen kun akka haala barreefamichaatti "kakuu haaraa" ilaaluutu ta'a.

**7:13 "Isa booda bakka aarsicha kan tajaajille eenyu iyyuu hin jiru,"** kun gocha xumurame kan argisiisu yeroo ta'u, innis argisiisuu kan inni danda'u seera haarsa itti fufuu dha. Akka sana yoo ta'e, warri Ibirootaa kan barreeffame Tiitoon Yerusaalem diigamuu ishee fuuldura, bara haraaraa 70.

Eenyu iyyuu gosa Lewwii irraa fi maatii Aaroon ala akka lubaatti kakuu moofaatti hin tajaajile. Kun warri Roomaa Filisteemiin yeroo qabatanitti dhimma isaa miti /jechuun, Annaa fi Qayafa).

**7:14 "Gooftaan keenya gosa Yihuudaa keessaa ba'eera"** kun kan biraa gocha xumurame argisiisuu dha. "Ba'u" hiiki isaa "ba'u irraa" dha, faayida irra kan oleef

1. Ba'uu aduu (Mat. 5:45)
2. Sosochii hawwaa
3. Ba'u biqiltuu
4. Fakkidummaan, sanyi namaaf (6:12, Isa. 11:1, Erm. 23:5-6)

Asitti inni kan inni argisiisu raajii Yaaqob, waa'ee ijoolee isaa, Um. 49 irratti (keessaa iyyuu 49:10).

▣ **"Yihudaa"** Yesus mootummaa sanyii Daawiit Yihuudaa irraa ture (Um. 49:8-12, 2Sam.. 7:12-16, Isa. 9:6, 7). Yihudiin Yesus angafa Lubaatti jedhe amansiisuun baay'ee rakkisaa kan ta'u inni Lewwii irraa gosa Lubaa ta'uu dhiisuun isaa, akka Musee fi Aaroon.

**7:15 "Akka"** kun keeyata haalaa ramaddii tokkooffaati, innis sirridha jedhame kan amanamu, yaada barreesichaa yookaan kaayyoo barreefamichaa. Lubni kan biraan dhufeera, innis sanyi Melkesedeq irraa.

**7:16**

**NASB** **"ajaja seeraa foonii osoo hin tane"**
**NKJV** **"akka seera ajaja fooni osoo hin taane"**
**NRSV** **"seerichi waa'ee sanyi foonii seeraan akka gaaffatu osoo hin taane"**
**TEV** **"seera fi heera namaa osoo hin taane"**
**NJB** **"wali galte sanyi foonii osoo hin taane"**

Kan Yesus aangoo Lubummaa sanyii inni ittiin dhufe/maatii isaa irratti hin yeela'u, ta'us garu kan barabara, jireenya hin badne irraa dhaala isaa malee (jechuun, maatii Melkesedeq Um. 14 irratti maqaan isaanii hin eeramne, akkasumas "bara bara" Faru. 104:4 irratti faayidaa irra oleera). Yesus daangaa kan hin qabne jireenya Waaqummaa qaba (akkasumas kakuu fi abdii Waaqayyo).

▣

**NASB, NRSV**
**NJB** **"akka ajaja seera foonii osoo hin taane"**

**NKJV** **"seerichi waa'ee sanyi foonii seeraan akka gaafatu osoo hin taane"**
**TEV** **seeraa fi heera namaa osoo hin taane"**

Kun kan inni wal qabsiisuu hiika barsiisootaa (Midrash) wajjin wal fakkaata, tokkummaan isaas FAru. 110:4B, kunis Melkesedeq maatii hin qabu, fi kanaaf kan bara baraati (lak. 6, 8).

**7:17 "Waa'ee isaa dhugaa waan ba'uuf"** kun Septuwajenti irraa Faru. 110:4 kan eeramee dha, (akka lak. 21).

**7:18**
**NASB** **"gara cinaatti godhameera"**
**NKJV** **"gati kan hin qabne godhameera"**
**NRSV** **"irraa buusuu"**
**TEV** **"gara cinaatti godhameera"**
**NJB** **"irraa fuudhameera"**

Jechi kun Papiresi Gibxi irratti argameera, (1) "gara cinaatti gochu", (2) Duwwaa fi gat-dhabeessa gochu", yookaan (3)"guuma isaa hir'uu" bifa jedhuun.

Lakkoofsi kun kan inni dubbatu kan ajajaa gara bukeetti jechuu dha (tari angafni lubichaa sanyii foonii). Innis irra caalaa naasisa dha, dubbifama yaada hafuuraan liqimfamu kakuu moofaatti (Mat. 5:17-19) "gara cinaatti," jechuu danda'a, kunis sirritti Phaawulos Gala. 3 irrattti tuqaa inni kaasee dha, seerri kaayyo olchuu isaatti gara cinatti jechuun isaa. Ta'es, Phaawulos kan inni mirkaneessu namni kufe dadhabiidhaan (Rom. 7) kakuu moofaa osoo hin taane. Barreessaan wara Ibiroota Yesus Musee caalchisuu argisiisa, kanaaf "seerri isaa" dadhabaa fi kan hin fayyadne jedhaan (8:13).

▣ **"Aboomii ishee fuulduraa"** kun kan inni argisiisuu seera Lewwootaa yookaan amala seera Musee kan qabate kakuu moofaa dha.

▣ **"Kan dadhabuu fi faayidaa kan hin qabne ta'uu isaan"** Rom. 7 fi Gal. 3 gaalee kana hiikuudhaaf kan gargaaraanidha. Seera Waaqayyo miti, amala nama kufee malee, dadhabaa kan ta'e, seerricha deebissuuf hoji isaa gochuu hin dandeenye!

**7:19 "(Seera isaa homaa guutuu gochuu hin dandeenye)"** Gala. 3 dubbissiti mata-duree addaa 7:11 irra ilaali.

▣ **"Kan fooya'e"** 7:7 irratti kan jiru yaadannoo guutuu ilaali.

▣ **"Gara Waaqayyootti yeroo dhi'aanuutti"** furtuun kun yaad-rimee dha (Lak. 25, 4:16). Barressichi cimsa kan inni itti laatu seera Musee, lubummaa Lewwootaa irraa fi haarsaa wajjin namoota gara Waaqayyootti fiduu dhiisuu isaatiini dha, Yesus garu, luba keenya, isaaf hin dadhabamne, isaaf hin dadhabamu (10:22, Yaq. 4:7).

Yesuus kakuu fooyya'ee akka fide hubadhaa, ta'us garuu isas ta'u namoonni dirqamatti deebii kennuutu irra jiraata, luboonni akkuma godhan (amantootni hamma bifa walitti qabaatti luboota kakuu haaraati, 2Phex. 2:5, 9, 1:6).

**7:20 "Kun kakaa akka malee hin taane"** Waaqayyo isaaniif amanaa akka ta'ee waa'ee galeef amala isaa fi humna isaan cinna isaanii dhaabbate (Isa. 46:10). Kakuun kun kan inni waabeefatu Faru. 110:4, kan ibsamee Ibr. 6:13-17.

**7:21** kun luqisii isa kan biraadha, Setuwajenti irraa Faru.110:4 (lak. 17 irra akka jiru).

**7:22**
**NASB, NRSV,**
**TEV, NJB** **"wabii"**

**`NKJV, ASV "waasii"**

Duubeessi Ibirootaa "waasii harka irra jiru" dha, innis waasii kan argisiisu. Innis Girikitti faayidaa irra oolaa kan ture liqaaf wabii yookaan waasii mana hidhaa ture. Dabalatanis, seera Roometti inni kan dhaabbatu kara seera qabeessaan kan kabajamee dha. Yesus waasii dha, milka'aaummaa kakuu haaraaf.

▣ **"Kakuu fooyya'aa"** Erm. 31:31-34 kan inni dubbatu kan kanaa (kakuu haaraa) dha (36:22-36) achitti xiyyafannoo isaaf seeraa isaa keessaati, hafuuraan kan sosocho'u fi kan uumuu, barreefama alaa osoo hin taane, hoji namaa irratti kan hirkatu.

"kan fooyya'eef" 7:7 irratti kan jiru yaadannoo guutuu ilaali.

## IBROOTA 7:23-25

**23Luboonni warri duraa sababi du'aniif hojii isaanii itti fufuu waan hin dandeenyee, namoota baay'eetu luba ta'e. 24Inni kun garuu barabaraan waan jiraatuuf, lubummaa isaa hoji dhaabataa godhee qabeera. 25Kana irraa kan ka'es, inni yeroohundumaa isaaniif kadhachuudhaaf waan jiraatuuf, warra karaa isaa gara Waaqayyootti dhi'aatan hamma dhumaatti fayisuu in danda'a.**

**7:23** kun kan biraa wal dorgomsiisuu dha kan Yesusi fi luboota kakuu moofaa. Kun kan inni ibsuu lakkoofsaa isaaniiti fi yeroo muudama isaaniti.

**7:24** kun guduunfaa warra barsiisootaati Uma. 14 irratti hundaa'uudhaan, achis sanyi Melkesedeq hin kennamne, fi Faru. 110, innis kan Melekesedeqiin eeru "bara baraan" jecha jedhu kan fayyadamu (Faru. 110:4B).

**7:25**

**NASB "bara baraan fayyuuf"**
**NKJV "amma raawwataatti fayyuuf"**
**NRSV "yeroo hundumaaf fayyuuf"**
**TEV "amma fi yeroo hundaa fayyuu"**
**NJB "aangoo fayisuuf……guutuu kan ta'e"**

Hiiki Ingilliffaa armaan olii aka argisiisuutti, jechi isaa hiika baay'ee qabu. Inni raawwatee fayyisuu danda'a, hundumaa hanga bara baraatti (10:14) sababni isaa inni "bara baraan" kara fooya'aan lubummaan isaa waan itti fufuuf. Mata-duree addaa 3:14 irra jiru waa'ee wabii ilaali.

▣ **"Isaaniif"** kun hafeerra wali galaati! Kan dhufuu hundumaa (Yoha. 1:12, Rom. 10:9-13, 1Xim. 2:4, 2Phex. 3:9).

▣ **"Waa'ee isaanii kadhachuudhaaf yeroo hundumaa jireenyatti jiraata"** hojiin Yesus fannoo irratti qofa hin xumuramne, har'as yoo ta'ee amantootaaf ni kadhata (9:24, Isa. 53:12, Rom. 8:34, 1Yoha. 2:1).

## IBROOTA: 7:26-28

**26Angafa luboota, isa qulqulluu, waan ittiin jedhan hin qabne, xurii hin qabne, isa cubbamoota irraa gargar ba'ee bantiwwaan waaqaa gararaattis ol jedhe akkasii qabaachuun nuuf in barbaachisa. 27Inni akka angafa lubootaa warra kaanii, guyyuma guyyaatti duraan dursee cubbuu ofi isaatiif kana boodees cubbuu sabaaf haarsaa dhi'eessu isa hin barbaachiifne; inni ofi isaa haarsaa godhee altokkicha yeroo hundumaaf dhi'eesse. 28Seerri namoota dadhaboo angafa lubootaa godhee hoji irra in dhaabsiisa; sagalee inni kakaadhaan dhaga'amee, seericha boodee dhufe garu ilma isaa bara baraan mudaa malee ta'ee hojiicha irra in dhaaba.**

**7:26** kun ta'u kan inni danda'u faarfannaa durii yookaan walaloo dha (akka Fil. 2:6-11, 1Xim. 3:16, 2Xim. 2:11-13 fi akkasumas 1Xim. 1:17, 6:15 -16). "Qulqulluu" jechi jedhu "haraarama" jechuu ta'uu danda'a LXX irraa (Faru. 16:10). "Kan of hin xureeessine" jechi jedhu jecha haarsaa yeroo ta'u yeroo hundumaa kakuu moofaan kan hiikamu "mudaa kan hin qabne" kan jedhuun. Kunis ajaa'ibsiisaa jecha amantii kan guduunfuu dha.

**Mataduree addaa: Mudaa kan hin qabne, qulqulluun, Cubbuu kan hin qabnee mudaa malee.**

A. Ibsa baniisaa
   1. yaadi bu'ura kun humna hafuuraa kan ibsuu dhala namaaf ejjenoo jalqabaati (jechuun uuma. 1 Jannta Eden).
   2. Cubbamaa Loogaa Kun kan konkiffa raawwatee haala tokkummaa sana balleesseera. (Uma. 3).
   3. Namoonni (dhiiraaf dubartiin) Waayoo wajjin kan qaban tokkummaan akka deebi'uuf ni hawwu. Sababiin isaas bifaisaaf fakkaattii isaatiin waan uumamaniif Dha. (Jechuunis Uumama 1:26-27)
   4. Waaqayyo cubbamaa dhala namaa wajjin kara hedduu hojjeta.
      a. Geggeessitoota gaarii (Jechuunis, Abrahaam, Musee, Isaayyaas)
      b. Aarsaa naamusa qabu (Jechuunis Leewota, 1-7)
      c. Fakkeenyota gaarii (Jechuunis Nooh Iyyob)
   5. Gara ga'umsa irratti Waaqayyo Masihii kenne
      a. Akka isaatti ibsa guutuu
      b. Cubbuuf kan ta'u Aarsaa konkumaa.
   6. Kirstaanonni cubbuun kan irra hijirre ta'aniu
      a. Daandii seeraan karaa yesuus tola godhamen
      b. Hafuurri Qulqulluun itti fufiinsaan karaa inni hojii hojjetu,
      c. Galmi kirstaanummaa kiristoosiin fakkaachuudha. (Rom3:28-29, Efes. 1-4) Innis dhugaa fakkii waaqayyo nama ta'e sana fakkaachu Yeroo Addaamiif Hewwan dhalanamaa isa kufe sana.
   7. Mootummaa Waaqayyo jannata Edeniin kan jiruu tokkichummaa fakkaachuudha. Mootummaan Waaqayyo Bakka Waaqayyo jiruu kan dhuftu Iyyerusaalem Haaraadha. (Miullata 21:2) Lafa Qulqulloofte (2ffa Phexiroos 3:10 Macaafi Ququlluun kan jalqabuuf kan xumuru raga walfakkatuun.
      a. Fira dhiyootokkichummaa dhuunfaa Waaqayyo wajjinii
      b. Iddoo Jannataa (Umama 1-2 fi Mullata 21-22)
      c. Ibsa Raajii Argamuu horiif Michooma (Isaayaas 11:6-9)

B. Kakuu Moofaa
   1. Hedduu kan ta'an sagaleen Ibiraayisxii adda addaa jiru. Gonkumaa Mudaa male eta'u Yaaada bu'uuraa Qulqullummaa kan qabatan isaaniin moggaasuufi Walxaxaa kan ta'e Uumama agarsiisuuf
   2. Hangafoonni jecha gonkumaa cubbuu male eta'uu yokaan Qulqullumma kan qaban bu'uura yaadaa (Akka roobeertiif Giriidist Kakuu Moofaan fakkeessanii Fuula 94-99).
      a. *shalom* (BDB 1022)
      b. *thamam* (BDB 1070)
      c. *calah* (BDB478)
   3. Seeppituuwaajiinti (Jechuun Mana Qulqullummaa durii Macaafa Qulqulluu) Isaan hedduun yaadni bu'uuraa kun gara Koonnee Sagalee Girikiitti hiikamu. Akka Akki
   4. Furtuun bu'uura yaada kan wal qabatuu bu'uura sirna wajjin.
      a. Ammomos (Seera kessa deebii 29:1, Leew. 1:3, 10, 3:1:, 6, SeerLakk. 6:14)
      b. *Amiantos* fi *aspilus*Ammo kan bahe Hiikoo qaba.

C. Kakuu Haaraa
   1. Bu'uura seera yaadummaa
      a. Cimsaan seera Ibraayisxii Hiikoo kan hiiku AMmomoosiin (Efesoon 5 27, Filipp. 2:15 1ffa Phex. 1:19)
      b. Hiikaan seeraa Girikii (1ff Qor. 1:8 Qolas. 1:22
   2. Kiristoos Cubbuu kan hinqabne Mudaa kan hinqabne Qulqulluu kan ta'e qofaadha. AMmomos, Ibroota 9:14, 1ff.Phe. 1:19
   3. Duukabuutonni Kirstoosiin fakkaachuu qabu (Ammoomos Efes. 1:4, 5:27 Filpp. 2:15 qol. 1:22, 2ffa

Phex. 3:14 Yihu. Lakk. 24, Mullata 14:5)

4. Bu'uurri yaada kun waa'e dura buutota mana Qulqullumma faayidaarra oolera.
   a. Ankilitoos "Himata tokko malee" (Xim. 1ffa. 3:10 Tiito 1:6-7)
   b. Anipiliippaatoos "Mudaa tokko" male Yookaan "Mudaan kan irra hin jiraanne" (Xim. 1ff 3:2, 5:7, 6:14, Tiito 2:8)
5. "Mudaa malee" Kan jedhu yadni bu'uuraa Amiyaantoos faayidaarra kan oolu
   a. Kiristoosiin (Ibroota 7:26)
   b. Dhaaluu kiristaanotaa (1ffa Pheex. 1:4)
6. "Fayyummaa" Yookaan "fayina" Bu'uurri yaadaa (Hilookloriyaa Hoji Ergamootaa 3:16, 1ffa Teslo. 5:23, Ya'iq. 1:4)
7. "Baleessaa malee" Cubbu kan hiqabne Qulqullummaa kanjedhu bu'uurri yaada kan beekamu Ammimeetoosiin (Luq. 1:6, fillip. 2:15, 3:6, 1ffa tesel.2:10, 3:13, 5, 23).
8. "Yeelloo kan hinhordofne" Kan jedhu bu'uurri yaada kan beekamu Ammomootoosiin (1ffa Phe. 3:14)
9. "Yeelloo kan hiqabne" "Mudaa malee" Kan jedhu bu'uurri yaada yeroo hundaa faayidaarra kan oolu olitti kanjiran Sagalee kanqaban keewwataani. (Ximi. 1ff 6:14 Yaa'iqo. 1:27, Phexr. 1:19, 2ff Phex. 3.14)

D. Ibraayisxiif Girikiin kan jiran jechoonni baayina qaba Bu'uura yaada kana kan ibsaniifi faayidaa isaas kan agarsiisan Waaqayyo kanubarbachuisu karaa Yesuusiin Nuuguuteera. Ammammo isa akka faakkaanuuf nu waamaa jira. Amantoonni ejjennoodhaan seerummaa dhaan "Dhugaadhaan" "sirrummaa dhaan."
Yelloomalee" Jedhanii ilaalamu Hojii kiristoosiin. Amma Amanttoonni iddoo isaanii dhaaluufi. "Ifaan deddeebi'aa Inni iffa akka ta'e" (1ffa Yoha.1:1) Waamamuu keessaniif akka ta'uutti deddeebi'aa. (Efeso, 4:1, 17, 5:2) Iyyesuus bifa Waaqayyo deebiseera. Amma Michoomuun dhiyoo nidand'ama garuu Waaqayyo Amala isaa saba calaqqisiisu akka barbaadu yaadadha Ilmi isaa akkuma godhe hundaa. Nuti kan waamamne Qulqullummaa gadi dhimma ta'eef miti (Maat. 5:20, 48, Efeso. 1:4, 1ffa. 1:13-16). Qulqullummaa mana Waaqayyo seera qofaa miti. Gochaadha male.

▣ **"Cubbamoota irraa adda kan ta'e"** kun keeyata gocha raawwatameeti. Innis namummaa Yesus hin calaqqisiisu (Fil. 2:6-7), ta'us garuu cubbuu malee ta'uu isaati malee (15, 9:14, 2Qoro. 5:21, 1Phex. 2:22, 1Yoha. 2:1, 3:5).

▣ **"Waaqa irraas kan ol ol jedhe"** kun ta'u kan danda'u (1)ibsa olaantummaa, (2)ilaalcha barsiisoota sobduu Ginoostikii kan eeru, karaa bittaa sirriittiin akka darbu (4:14), yookaan (3) kan du'aa ka'uu/tasgabii karaa argisiisuun:

**7:27** kun walitti dhufuu kan danda'u guyyaa harreefamu wajjinidha (Lew. 16) , isaan kun garu faayidaa irra kan oole bifa waaqefannaa haarsatiini dha (itti fufiinsa kakuu moofaa kan qabu). Inni seenaa irraa fi akka barsiisootaatti kan inni mirkaneessuu angafni lubaa guyyaa guyyaatti irratti hirmaachaa akka turee dha, gara boodaatti Yihudummaan, ta'us garuu yeroo godoo bultiitti ta'uu dhiisu danda'a. Mata-duree addaa: Yesus akka angafa lubaa 2:17 irratti ilaali.

▣ **"Innis ni dhi'eesse"** kun jecha wal fakkaataa dha, Isa. 53:11 Septuwajentiidhaan (LXX), "Baachu." Tokko tokko kana kan isaan ilaalan akka waabiti, gara Waaqayyootti akka ka'u haara aarsaa.

▣ **"Innis kana yeroo tokko kan bara baraa godhe"** Ibirootni ga'umsa kan ta'ee yeroo tokkoo Yesuusiif kan kenname haarsaa du'aa ni mirkaneessa. Kun al tokkoo fayyummaa godhamee fi dhiifamni bara baraan raawwatameera ("yeroo tokko" [ephapax], 9:12, 10:10 fi "yeroo tokko bara baraaf" [hapax], 6:4, 9:7, 26, 27, 28, 10:2, 12:26, 27). Kun kan irra deddeebi'ame mirkannoo amantiif kan qindaa'eedha.

▣ **"Innis mataa isaa dhi'eesse"** Yesus angafa lubaati (Faru. 110:4) fi rakkina kan fudhatu (Isa. 53:10) mana qulqulluummaa Waaqa irraa (9:24). Kun utubaa kakuu haaraati, geggeeramaaf, rakkina kan fudhatan, oolchuu mirkaneessuu kan kennu (Mar. 10:45, Rom. 8:3, 2Qor. 5:21).

**7:28 "Seerri isaa namota dahdaboo ta'an angafa lubaa godhee waan shuumuuf, seeraan booda kan bah'ee jechi kakaa garuu"** kun dhiibbaa dha, Museedhaan heera barreefamaatiifi Faru.110:4 gidduu kan jiru.

⊡ **"Mucaa isaa moosisa"** Yesus luba caaluu dha, inni maatii Waaqayyo ta'uu isa irraan kan ka'e (jechuun, "mucaa," 1"2, 3:6, 5:8). Luqisiin kun kan inni walin makuu Faru. 2 fi Faru. 110 dha, isaan kan mootuummaa fi faarfannaa lubootaa. Innis lammaanuu dibata kakuu moofaa ofi isaa waliin makeera, kakaa abbaatiin.

**GAAFFILEE MAREE**

Qajelfamni qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta'u, sana jechuunis garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaatti hiikuun itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. tokkoon tokkoon keenya ifa nu kennameen adeemuutu nurra jiraata. Hiktoonni jalqabaa si, kitaaba qulqulluu fi hafuura qulqulluu dha. kanas deebiftee kan hiike irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Gaaffileen maree kun kan kennamana kutaa kitaaba kanaa dhimmoota gurguddaa akka ta'utti akka qayyaabatu akka si gargaaruuf. Kana jechuunis akka ta'utti akka xiinxaltu si kakaasuuf malee kana qofaan akka daangooftu miti.

1. Barreessichi Yesus akka angafa lubaa kan ta'ee yaad-rimee kana jabeessuudhaaf maaliif yeroo dheeraa fudhatee?
2. Leewwiin akkamitti Melkesedeqii wajjin wal qabataa?
3. Faru. 110 Uma. 14:18-20 wajjin akkamitti walitti dhufaa?
4. Melkesedeq akkamitti akka Masihiiti faayidaa irra oole?
5. Melkesedeq eenyuun ture?

# IBIROOTA 8
# HIIKAWWAM HAARAAWA RAMADDIWWAN KEEYATAA

| UBS[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Kakuu isaa haaraa fi isa waayyuuf angafa lubaa | Tajaajila lubummaa isa haaraa | Mana Qulqullummaa isa waaqa irraa fi Kakuu Haaraa | Yesus angafa lubaa keenya | Mana qulqullummaa isa haara lubummaa isa haaraa |
| 8:1-6 | 8:1-6 | 8:1-7 | 8:1-2 | 8:1-5 |
| | | | 8:3-6 | Kristoos kakuu isa guddaaf giddu galeessa |
| | Kakuu Haaraa | | | |
| 8:7-13 | 8:7-13 | | | |
| | | | 8:7-13 | 8:6-13 |
| | | 8:8-13 | | |

**MARSAA DUBBIFAMAA SADAFFAA (fuula vii ilaali kutaa seensaa irratti)**

YAADA BARREESSAA JALQABAA SADARKAA KEEYATAATIIN HORDOFUU

Qajeelmani qayyabannaa hiika yeroo ta'u, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu ofii keeti yeroo hiiktu itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kenameen deddeebi'uutu nurra jira. Hiiktooni jalqabaa si, kitaaba qulqulluu fi hafuura qulqulluudha. Kanaas deebifte kan hiike irratti jechama kan biraan akka hin fudhanne.

Boqonnicha yeroo tokko dubbissi. Yaada-ijoowwan irratti. (ramaddii dubbifama lak. 3 fuula viii). Yaada-ijoo kee ramaddiiwwan gara olitti tarreefaman hiika shanan wajjin wal bira qabi. Ibsi guutuun keeyaticha irratti argamuu yoo baatees hiiki yaada barreessicha jalqabaa ta'e inni guddaan irratti ni argama. Tokkoon tokkoon keeyataa yaada ijoo tokkoo fi tokko qofa qabateera.

1. Keeyata tokkoffaa
2. Keeyata lammaffaa
3. Keeyata sadaffaa
4. K.K.f…

**QABIYYEE AKKA HAALA BARREEFAMICHAATI:I BIROOTA 8:1-13**

A. Kun barbaachisummaa bilchina dubbiftootaa wajjin kan wal qabatee qoodama tokkummaa akka haala barreefamaati. Kutichi 5:11-10:18 itti deema, hammattuu of eegannaa 5:12-6:20 jalqabee.
B. Boqonnaa 2 kan guddatee Faru 8 fayyadamee akka ta'e hundumaa, boqonnaa 3 fi 4 kan guddatee Faru. 110 qabateeti, boqonnaa 8 Erm. 31:31-34 fayyadameera (boqonnaa 10 Faru. 40 fayyadama).
C. Mani qulqullummaan dhugaan innis 6:19-20 fi 8:2 irratti kan eerame hanga boqonnaa 9 gahutti guutumaatti hin guddatu.

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## IBROOTA 8:1-13

**1Wanta dubbannu keessaa, "Nuyi angafa lubootaa isa bantii waaqaa keessatti, gara mirga teessoo Waaqayyoo surra-qabeessaa taa'e akkasii qabna" isa jedhutu hundumaa irra caala.**

**2Inni godoo qulqullaa'aa sana keessatti, godoo namni dhaabe utuu hin ta'in, godicha isa dhugaa Waaqayyo gooftaan dhaabe sana keessatti, angafa lubootaa ta'ee in hojjeta. 3Angafa lubootaa kan ta'e hundinuu kennaa fi aarsaa dhi'eessuudhaaf hojii irra in dhaabama; kanaaf inni kunis immoo waan dhi'eessu qabaachuun isaaf in barbaachiisa. 4Luboonni akka seerichaatti kennaa dhi'eessan waan jiraniif, inni utuu fooniin biyya lafaa irra jiraatee iyyuu luba akka isaanii hin ta'u ture. 5Isaan godoo isa akka gaadidduu isa waaqa irratti garagalfame sana keessatti in hojjetu; fakkeenyi godoon sun ittiin ijaarame Museetti argisiifamee ture. Yeroo inni godoo sana ijaaruuf ka'etti Waaqayyo, "Ammas waan hundumaa fakkenya isa gaara irratti sitti argisiifame sanaan akka hojjettuuf akeekkadhu!" ittiin jedhe. 6Yesus hojii lubummaa isa kan isaanii irra fagoo caalu fudhate; hammuma hojiin isaa caaluu immoo, kakuun inni Yesus Waaqayyoo fi namoota gidduu dhaabe, inni abdii caalu irra dhaabatu sun guddaa in caala. 7Kakuun inni duraa hir'ina hin qabu utuuta'ee, isa lammaffaa iddoo buusuun hin barbaachisu ture. 8Balleessaan isaan irratti argamnaan raajichi, "Kunoo, guyyoonni tokko in dhufu; guyyoota sanatti ani mana Israa'elii fi mana Yihudaaf kakuu haaraa iddoodhaan nan ga'a' jedha gooftichi. 9'Garuu kakuun kun akka isa duraa miti; harka qabee gaafan biyya Gibxii isaan baase, kakuu sana abboota isaaniif nan dhaabe; isaan kakuu koo sanatti jabaatanii hin hafne, anis jabeessee isaaniif hin yaadne' jedha gooftichi. 10Guyyoonni sun yeroo ga'an, kakuu ani mana Israa'eliif kakadhu, 'Seera koo yaada isaanii keessa nan kaa'a, garaa isaanii keessatti isa nan caafa; ani isaaniif Waaqayyo nan ta'a, isaanis anaaf saba in ta'u, isa jedhuu dha' jedha gooftichi. 11Itti dabalees, "Namni tokko iyyuu si'achi nama biyya isaa yookiis obboleessa isaa gooftaa bari! Jedhee hin barsiisu; xixinnayyoota isaaniitii jalqabanii hamma gurguddoota isaaniitti hundumti isaanii na beeku.12Jal'ina isaanittii isaan nan maara, cubbuu isaaniis deebi'ee hin yaadadhu' jedheera" jedhe. 13Waa'ee kakuu haaraa dubbachuun isaa inni duraa moofaa'eera jechuu isaa ti; wanti moofa'e, wanti dulloomes badduu ba'uu ga'eera.**

**8:1**
**NASB, NKJV,**
**NRSV "tuqaa isa guddaa"**
**TEV "guutummaa tuqichaa"**
**NJB "qajeelfama tuqichaa"**

Kun bifa jecha Girikiiti "mataa," *(kepahal*) innis fakkidummaan faayidaa irra kan inni oolu eda'ama wali gala qarshiitiif (HoE. 22:28). Warri durii lakkoofsa isaanii kan isaan eda'an jalaa ol turee irra gadii caalaa. Jechi kun bifa lakkoofsa dabalataa qaba (1)kan kitaabichaa baay'ee faayida qabeessa kan ta'e tuqaa wal falmii, amma ammaatti, yookaan (2) duraan dursee kan kenname guduunfaa falmi.

⊡ **"Angafa lubaa"** waamanamni Yesus kun Ibiroota duwwaa irratti kan inni argamu (2:17, 3:1, 4:14,-15, 5:10, 6:20, 7:26, 8:1, 3 9:11, 25). Amala lubummaa Masihii Faru. 110 fi Zakk. 3 fi 4 irratti ibsameera. Inni lamaannii lubaa fi aarsaa dha (Isa. 53). Inni fuula Waaqayyoo dura dhaabbata, mucaa namaa bakka bu'ee, mataa isaa aarsaa godhee ni dhi'eessa. Rakkina cubbuutiif hiika akka ta'uuf.

⊡ **"Innis kan inni taa'e"** kun itti fufiinsa kan qabu Faarfannaa 110 akkaataa fayyadamaati (jechuun, lak. 2). Innis kan raawwate hoji Kristoos argisiisa. Ta'es, inni hiika mootiiti kan inni qabu, lubummaa irraa osoo hin taane, lubni kam iyyuu raawwatee itti hin fayyadamne, mootota malee (1:3).

⊡ **"Karaa harka mirgaan"** kun gaalee fakkiduu namaati, bakka aangoo fi humnaa (1:3, 13; 8:1; 10:12-13; 12:2; HoE. 2:33-35).

⊡ **"Waaqa irratti simboo teessoo isaati"** Waaqayyoo teessoo foonii hin qabu, sababa hafuura ta'es. Kun gaalee fakkiduu namaati, Waaqayyoo jechaa fi ramaddii namaatiin kan inni ibsu. Innis kan

darbannaa yookaan jecha adda ta’e Waaqayyoon karaa inni ittiin ibsuu dha, maqaa isaa osoo hin eeriin (12:2).

“Samiiwwaan” jechi jedhu karaa baay’een, kakuu moofaatti akka ta’e. innis kan baay’eeti, sadarkaawwan baay’ee waan hin eereef

1. Lafaa ol kan jiruu qilleensa naannoo, simbirootni kan irra balali’aaniif dummeesonni kan jiraatan (Uma. 1:14)
2. Samii urjootaa, bakka ifaa samii irraa, aduu, ji’a, urjii, fi hawwaa (Uma. 1:14)
3. Bakka Waaqayyo qaamaan itti argamuu fi bakka ergamootaa

Barsisootni yeroo hundumaa akka wal falmanitti dha, samiiwwan sadi jiraachuu isaanii (2Qor. 12:2) yookaan samiin torba (jechuun, kun kitaaba qulqulluu irra miti, ta’us garuu jaarraa tokkooffaatti burqaa barsiisootaa). Kun kan jedhameef yaad-rimeen sadarkawwan baay’ee Kes. 10:14, 1Mot. 8:27, fi Faru. 68:33, 148:4 irratti argamuu danda’a. Warri Ginoostikii yaad-rimee baay’ee waa’ee samii sadarkaa aangoo ergamootaa mirkaneessuuf itti fayyadamu. Ta’us, Yesus karaa isaa darbeera (4:14). Lakkoofsa baay’eedhaaniis ta’ee qeenxeedhaan *ouranos* (sami) Ibiroota biratti homaa faayiida abarumsa hafuuraa kan qabu hin fakkaatu (9:23 yookaan 9:24).

**8:2 “Godoo bultii”** kun samii irra kan jiru mana qulqullummaa samiif waabi dha (6:19-20), innis gaara Siinaa irratti Museetti kan mul’atee fi bara lafa honaa keessa jooruu kan ta’e (Kes. 25-40) waraabbii sirri ture (9:11, 24).

⊡ **“Namaan osoo hin taanee gooftaadhaan kan dhaabamte”** kun kan Septuwajenti (LXX) kan eeru ta’a, Kes. 33:7 hiiki isaa (Waaqayyo wajjin wal arguuf bakka adda ta’e) yookaan Waaqayyoodhaan kan tolfamee mana qulqullummaa samii waabiin karaa biraadhaan (11:10).

**8:3 “Aarsaa dhi’eessuuf”** kun aarsaa Kristoosiif jijjiraa furuuf kan mirkaneessuu dha. Kan isaa aarsaan jireenya isaati.

**8:4 “Egaa samii irra yoo jiraates, luba illee yoo hin taanees”** kun kan rammadii lammaffaa hima haalaati, innis faallaa dhugaa irraa jedhamee kan waamamu (4:8, 7:11, 8:4, 7; 10:2, 11:15). Yesuus gosa warra Leewwi keessa luba hin ture, ta’us garuu gosa Yihuudaa keessa luba ture. Tajajilli lubummaa Yesus ga’umsi isaa kan ta’e samii irratti.

**8:5 “Waan samii irraatii fi fakkeenyaa fi gaadiduu”** “Fakkeenya” fi “Gaadiduu” jechi jedhan fayyadamni isaa kan Aleksanderiyaa barreefama Fiiloo kan yaadachiisuu dha, Barreessaa fi falaasamaan Yihudii, innis bara haraaraa 20 hanga bara haraaraa 42 kan jiraate, Pileetoon duukaa kan bu’u. Innis kakuu moofaa Aligooriin (bakka-buusaa) godheera, hawaasa Girikii wajjin akka wali galuu gochuuf yaaluu fi Pilatoonummaa ibsa Yaahiwweedhaaf godhee fayyadamuun.

Ta’us, dubbifamni kun Fiiloo hin calaqqisiisu, ta’us garuu isa durii aadaa Yihudii malee, Museef gaaraa Siinaa irratii warabiin mana qulqullummaa samii irra kan kennameef – barri joormaa lafa honaa keessaa godoo bulti. Kun walfakkaataa akkaataa yaada maramaa garba du’aa irrattis ni argama, innis Pileetoof kan adda ta’e ta’uu dhiisuu isaa kan argisiisu (jechuun, falasafaa Girikii). Ajaa’ibsiisaa kan ta’u barreessaan Ibirootaa waa’ee Solomoniis ta’e waa’ee Herodis mana qulqullummaa (waa’ee uulagalee isaanii) raawwatee ibsuu dhiisuu isaati. Isaan kun raawwatanii Waaqayyof hin abboomamne godoo bulti akka ta’anitti (Kes. 25-40), ammam illee 1Sen. 28:19 karoora Solomoon yaada hafuuraan liqimfamuuf kan dhi’aateedha jedhani wal falmuuf kan dhi’aatee yoo ta’es.

Aadaa Yihudiitti kan durii godoon bultii samii irra kan jiru godoo isa dhugaa waraabbii yeroo ta'u, kan argitanis (Bau. 25:9; 40, (2)Mul. 11:19; 13:6; 15:5; (3)2Barok 4:5; (4)kitimamuu fi du'aa Isaayaas 7:10; (5)ogummaa 9:8; (6) Filavihoos Josefaas boca durii Yihudii 3:6:1.

Dubbifamni kun kan Pilaatonummaa calaqqisiisuu hin danda'u, sababni isaa yaada samiiwwan , kan sammuu, kan hafuuraa dhugaa ture, kitaaba qulqulluudhaan garuu dhugaa qaamaati. Mootummaan Waaqayyoo kan yaadaa (yaad-riimee kan yaadaa) waraabbii miti, ta'us garuu kallatti dhugaa uumamaati male (Qol. 1:16).

Kun kan samii godoo bultii guyyaa tokkoo beekamtii isaa ni dhaba (Mul' 21:22). Inni raawwii isaa kan tajaajilu bara kanatti, bara dhumaa irratti hin barbaachiisu!

## MATA DUREE ADDAA: BOCA (TUBOS)

Rakkoon isaa tubos jecha jedhuu dha, fayyadamoota adda addaa waan qabuuf.

1. Moolteeni fi Milgeen, galmee jechaa kakuu haaraa Girikii, fuula 645
   A. Akkina
   B. Karoora
   C. Akkaataa boca barreefamaa yookaan haala
   D. Heera lammaffaa barreessuu
   E. Murtoo himaa
   F. Qaama nama kan argisiisuu kan fayyisu Waaqa fedhiin kan godhame aarsaa
   G. Yaada seeraa bfa dirqisiisuun gochama faayidaa irra oole
2. Lowuu fi Niidaa hundee jechaa Ingilliffaa Girikii, jildii 2 fuula 249
   A. Godaanisa (Yohannis20:25)
   B. Mallattoo (HoE. 7:43)
   C. Argisiisa (Ibr.8:5)
   D. Fakkeenya (1Qor. 10:6; Fil. 3:17)
   E. Waraabbii (Rom. 5:14)
   F. Gosa (HoE. 23:25)
   G. Qabiyyee (HoE. 23:25)
3. Harold K. Mowulteen, tarreefama hunde-jechaa Girikiin kan wal makee, fuula 411
   A. Afuufuu, kallatti, mallattoo (Yoahannis 20:25)
   B. Fakkiidhaan ibsuu
   C. Mallattoo (HoE. 7:43)
   D. Foormulaa, karoora baasuu (Rom. 6:17)
   E. Boca, kaayyoo (HoE. 23:25)
   F. Bifa, waraabbii (1Qor. 10:26)
   G. Bifa yaadamu qabu, gosa (Rom. 5:14, 1Qor. 10:11)
   H. Gosa argisiisa (HoE. 7:44, Ibr. 8:5)
   I. Akkina safuu (Fil. 3:17, 1Tes. 1:7, 2Tes. 3:9, 1Xim. 4:12, 1Phex. 5:3)

akka haala barreefama kanaatti lak. 1 gara oli kan jiru kan fooyya'e fakkaata. Wangeelli doktiriinii lammanuuf akkaatee jireenyaa tokkuummaawwan qabu. Kristoosiin kan ta'e kennaa fayyinaa bilisaa jireenya fakkaate gaaffata!

◘ **"Innis jedhe"** kun Kes. 25:45 irraa kan eeramee dha. Idoon bulti karoora Musee hin ture, mul'ata Waaqayyooti malee.

**8:6 Inis tajaajila wayyuu argateera."** Kun kan gocha raawwatamee argiisiisuu dha. Kun kan wal fakkaatu caalmaa Yesus kan ibsu ergamoota wajjin kan wal qabate 1:4 irratti faayidaa irra ooleera.

⊡ **“Innis immoo kakuu wayyuu giddu galeessaa dha”** lak. 6 irratti gochamni hunduu kan raawwatamanii dha. Akka isa fuuldura kun kan keeyata gochaa argisiisuu dha.

“Giddu galeessa” jechi jedhu jecha seera- qabeessa yoo ta’u giddu galeessa kan mul’isuu dha. Lubni Waaqayyoo isa qulqulluu fi nama cubbamaa gidduu akka dhaabbatu, akkasumas immoo Yesus gidu galeessa dha (9:15, 12:24, 1Xim. 2:5). Kun karaa isa tokkoo dha angafa lubaa gochaan argisiisuuf.

⊡ **“Jecha abdii fooya’aa irratti kan hundaa’ee kakuu fooyya’aa”** kun gochama raawwatamee kan argisiisu dha. Barreessaan Ibiroota aangoo Yesus ibsa kakuu Musee irratti “kan fooyya’e” jecha jedhu akkaata fayyadamaan ibsameera (7:7 irratti yaadannoo jiru ilaali).

## Mataduree addaa: Kakuu

Jecha Kakuu Moofaa kan ta’ee *berith*, (BDB 136) kakkuu ibsuuf salpha miti. Ibirootaan jechii madaluu hin jiru. Madda jechaa hiika argamsisuuf yaaliin ta’u hundumtu kan hin amansiifne ta’aniiru ta’uyyuu yaadni isaa

wali gala giddu gallessumma itti gargaarama jecha akka sakata’aan beektoota dirqisiseera. Hiikaa hojii irra oolu murteessudhaaf.

Kakkuun inni tokkofaan Uumamaa kan ta’ee namaa wajjiin waligaltee godhamudha.

Akka yaadaatti kakkuun, wali galtee yookaan walii galuu ibsa Macaafa Qulqulluu hubachuun murteessadha. Hundumaa gararaa ta’uu Waaqayyoo fi ijoollee Waaqayyoo mirga walabaa gidu falmiin jiru kakkuudhaan akka

yaadaatti ifatti mula’tadha. Kaakkuun tokko tokkoo kan isaan irratti hunda’aniidha.

1. Uumamnii mataan isaa (Seera Uumamaa a 1:2)
2. Abirahaam wamaamuu isaa (Seera Uumamaa a 12)
3. Kakkuu Abirahaam wajjiin (Seera Uumamaa a 15)
4. Nohii eegu saatiif abdii isaa (Seera Uumamaa a 6-9)

Ta’uyyuu amalli kakkuu inni guddaan deebi barbaaduu isaati

1. Amantiidhaan Addaam Waaqayyoof abomamuutu irra ture, Ganata giduu kan turee mukicha nyaachuun irra in ture.
2. Amantidhaan Abiraham firoota isaa dhiise Waaqayyoon duuka bu’e, akkasumaas waa’ee sanyii isaa dhufaani amanutu irra ture.
3. Amantiidhaan Nohi doonii guddaa tolchuu, bishaan irra fagaate bineensoota yaadutu irra ture
4. Amantidhann Museen Isira’eelin Gibxii baase qajeelfama murta’aan, amantaadhaa fi jireenya hawasummaaf kan ta’an kan eebba fi kan abaarsa abdii fudhatuu irra ture (Seera Kes 27-28).

Falmii wal fakkaata Waaqayyoo namoota wajjiin walitti dhuufeenya qabu “kakkuu haara keessatti” ilaaleera. Falmichiis Gibxiitti kan argamuu Raajii Hisqeel 18 tiin Raajii Hisqeel irraa 36:27-37 wajjiin wal dorgomsisuudha gocha Yaahiwee. Kaakkuuchi kan irratti hunda’ee Waaqayyoodhaan gochaa ayyannaati yookaan namaaf kan kennamee itti gaafatamumma bakka bu’umsa? Kun dhimma arifachisaadha. Kakkuu moofaan, kakkuu Haara dabalatee. galmii lamaan saatti wal fakkaatadha. (1) tokkummaa bade deebisudha seera Uumamaa 3 fi (2) amala Waaqayyoo kan calaqisisuu uummata hundessu.

Raajii Erm 31:31-34 kakkuu haaran falmiisaa in salphisa. Gochii namoota fudhatama argachuu fi kan godhuu hanbisudha. Seerri Waaqayyoo hawii keessa ta’e, inni alaatti lakkoofsi seera hafe. Gaarii sabaa tolaa ta’uuf galmii bifa wal fakkatadha. kan hafuu, haa ta’uu malee mallii isaa (galumsasati) kan jijjirame. ilmi namaa bifa mulachuu Waaqayyoo dandeeti ta’u akka hin qabne mirkana’eraa rakkoon isaa kakkucha hin ture haa ta’uu malee dadhabii namoota cubbamootaatti (Galatiyaa 3)

Falmii wal fakkaata kakkuudhaan halichii kan hin taaneef kakkuu haloota giduu akka jirutti kakkuudhaan jiraata. Fayinni raawate bilisa Yesuus Kiristoosiin rawaatamedha, garuu qalbii jijjiranaa fi amanti barbaada (lamaansaa ka’umsaa fiis ta’ee itti fufeenyaaf). innis lamaan isaa labsii leenjii seera qabeessaf Kiristoosiin gara fakkaachuti waamu, ibsa iyyataa simatamuuf qulqullumma barbaachisa!Amantootni gochaa mata isaaniittin kan fayyan miti, haa ta’uu malee abomamuun (Efeesoon 2:8-10). Waaqayyoon fakkaatanii jiirachuun raga fayyinaatti malee sababaa fayina miti. haa ta’uyyuu, jireenyii bara baraa hubatamuun kan irra jiruu amala qaba! Falmiin kun warra Ibiroota irrati ifatti argama.

**8:7 "Akka"** kun ramaddii kan biraa hima haalaati, innis dhugaa wajjin kan wal falleessu jedhame kan waamamu (lak. 4). Kun tuqaa walfalmi isa guddaadha. Ifa kan ta'ee kan hima dogogoraa faayida irra ooleera tuqa barumsa hafuuraa gochuudhaaf. Kakuun jalqaba bu'aa hin argamsiifne, kan haara'uu fi tolaa.

**8:8 "Isaan yakkaa"** seera miti, ta'us garu dadhabii namaa ture rakkinichi (Rom. 7:12, 16, Gal. 3).

▣ **"Isaaniin jedhe"** lak 8-12 kan wal qabate Erm. 31:31-34 kan eeramanii dha. "Inni" Yaahiwwee akka argisiisu hubadhu, ta'us, 10:15 irratti gaalee wal fakkaataa hafuura qulqulluuf faayidaa irra ooleera. Yaada hafuuraan liqimfamuu kakuu moofaa yeroo tokko tokkoo hafuura qulqulluuf adda ba'a yeroo tokko tokko immoo abbaadhaaf.

▣ **"Kakuu haaraa"** dubbifamni kun Erm. Irrattti (31:31-34) qofa isaa bakka eerameef dha, kakuu moofaatti kakuu "haaraa", ta'us garuu inni Hisqeel 36:22-38 irratti ibsameera. Kun Yihudiif baay'ee naasisaa dha.

▣ **"Mana Israa'eeliif"** kun kan inni argisiisu tokkummaa saba Waaqayyoo lammaffaa dha. Kan gamtaa'ee Monaarkii (Sa'ool, Daawit, Solomoon) bara haraaraa 922 qoodame, gosootni waaqa irraa Iyurbi'am I I jalatti Israa'eel jedhame waamamaa gosoota kibbaa Rihobo'am jala Yihudaa jedhamani waamamu turan.

**8:9 "Akka kakuu isaa miti"** garaagarummaan yaada ijoo isaan yookaan galma isaan miti, akkaatee isaatiin malee.

▣ **"Harka isaanii guyyaan qabeetti"** kun kan inni argisiisu Yaahiwwee akka Abbaatti (Hos. 11:1-4).

▣ **"Anis cal isaan jalaa hin jenne"** kun kan septuwajentii (LXX) hiika duukaa bu'a. Barreefama Masoreeti (MT) "ammam illee abbaa manaa isaanii yoo ta'e" kan jedhu qaba.

**8:10 "Yaada isaanii"** kun septuwajentii (LXX) duuka bu'a ta'us garuu barreefama Masoostik (MT) "isaan keessatti" kan jedhu qaba. Kun kakuu moofaan haaraa irraa akkamitti akka adda ba'u agarsiisa. Moofaan amalli isaa Hiz. 18:31 yoo ta'u haaraan immoo Hiz. 11:19, 36:26-27 dha.

▣ **"Lapheewwan"** kun kan inni argisiisu guutummaa namaati (Kes. 6:6, 11:18, 30:6, 14). Mata duree addaa 3:8 irra ilaali.

▣ **"Anis Waaqa isaaniif nan ta'a isaanis saba koo in ta'u"** kun jecha kakuu moofaati.

**8:11** "Lammiiwwan" yookaan "ollaa" jecha jedhu gidduutti barreefamni harkaa Girikii garaa garummaa qabu. Ibiroota birrati akka kakuun itti hubatamuun obboleessa kan jedhu garagarummaa kam iyyuu hiika irratti hin fidu. Warra duriitii fi barreefama haalaa kan isaan dirqisiisu "lammiwwan" filannoo wayyoo akka ta'e (P. 46. K, A, B, D, K, L, fi baay'een isaani ciccimoon maxantuu xixxiqoo barreefama harka).

**8:12** kun caalamaa kakuu haaraati (Erm. 31:31-34). Innis kakuu haaraa irratti eerameera Luq. 22:20, 1Qor. 11:25, 2Qor. 3:6, fi Ibr. 8:8, 9:15 irratti. Qajeelfamoonni hin barbaachisan, hunduu gooftaa ni beeku, fedha isaas karaa isaas. Waaqayyo cubbuu dhiifama godhe, Waaqayyo hirraanfateera (dacha cimaa alta'aa). Abdiin Dhiifama guutuun kakuu moofaa baay'ee aja'ibsiisaa dha (Faru. 103, 3, 8-14, Isa. 1:18, 38:17, 43:25, 44:22, Mik. 7:19).

**8:13**
**NASB** **"inni reef biqila jirus ta'ee inni moofaan baduuf dhi'aateera"**
**NKJV** **"egaa inni reef biqilaa jirus moofaanis baduuf dhi'aateera"**
**NRSV** **"inni moofaa fi kan dhumatuu kan ta'e yeroo dhi'ootti baduuf dhi'aateera"**

**TEV** **“moofaa fi dhumataa kan ta’ee hunduu yeroo dhi’ootti ni dhabamsiisama”**
**NJB** **“kanaaf moofaa fi kan duloome hunduu dhabamsiifamuuf”**

Gaaleen kun yaada itti kennamu baay’ee barbaada. Tokkoffaa, seenaa yoomessaa isaa yaadachuu. Michootni murtaa’aan jiru, Musee wajjin walitti kan maxxanan, akkasumas michootni kan biroon jiru gara seera Museetti deebi’uudhaaf kan yaadan.

Lammaffaa, seerri kun karaa fayyinaa akka ta’e kan godhuu dha. Kakuu moofaan dhugumatti ture, kunos, argamuu Waaqayyoo (Mat. 5:17-19). Seerri Musee ammas seera Waaqayyoottin kaayyoo qaba (Gal. 3). Inni namoota gara Kristoositti fida, cubbamaa ta’uu nama kufee argisiisuuf, fayyina akka isaan barbaachisu. Inni Waaqayyoo fi karaa isaa akka hubannu nu gargaarra. Inni kakuu haaraa wajjin kan walitti dhufuu dha, akka abdii raawwatuutti. Inni fayyina fiduu kan danda’u miti, cubbuu fi dadhabbii nama kufee irraan kan ka’e.

## GAAFFILEE MAREE

Qajelfamni qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta’u, sana jechuunis garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaatti hiikuun itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. tokkoon tokkoon keenya ifa nu kennameen adeemuutu nurra jiraata. Hiktoonni jalqabaa si, kitaaba qulqulluu fi hafuura qulqulluu dha. kanas deebiftee kan hiike irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Gaaffileen maree kun kan kennamana kutaa kitaaba kanaa dhimmoota gurguddaa akka ta’utti akka qayyaabatu akka si gargaaruuf. Kana jechuunis akka ta’utti akka xiinxaltu si kakaasuuf malee kana qofaan akka daangooftu miti.

1. Barreessaan Ibiroota maaliif cimsa cimaa kennee guddummaa angafa lubaa Yesuusiif?
2. Kitaabni Ibirootaa dhiibbaa falasama Girikii qabaa, (Pilatoniziimi)?
3. Ermiyaas 31:31-34 maaliif eerame?
4. Lakkoofsi 12 maaliif abdii kabajame ta’e?
5. Kakuun Musee kristaanoota kakuu haaraa wajjin akkamitti walitti dhufa?

# IBIROOTA 9
# HIIKAWWAM HAARAAWA RAMADDIWWAN KEEYATAA

| UBS4 | NKJV | NKJV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Mana qulqullummaa waaqa fi lafaa | Mana qulqullummaa isa lafaa | Tajaajila lubumma Lewwoota | waaqefannaa waaqa fi lafaa | Kristoos gara mana Qulqullummaa waaqaa seene |
| 9:1-5 | 9:1-5 | 9:1-5 | 9:1-5 | 9:1-5 |
| | dangeeffama mana qulqullummaa isa lafaa | 9:6-10 | | |
| | | amala wareegama Kiristoos (9:11-10:18) | | |
| 9:6-10 | 9:6-10 | | 9:6-10 | 9:6-10 |
| | Mana qulqullummaa isa waaqa irraa | 9:11-14 | | |
| 9:11-14 | 9:11-15 | 9:15-22 | 9:11-14 | 9:11-14 |
| | | Kiristoos arsaa ta'uun isaa cubbuu dhabamsiise | | Kristos kakuu haaraa isaa dhiiga isaan mallatteesseera |
| 9:15-22 | Barbaachisumma du’a isa giddu galeessaa | | 9:15 | 9:15-28 |
| | 9:16-22 | 9:23-28 | 9:16-22 | |
| Cubbuun aarsaa Yesuusiin dhabam siifameera (9:23-10:18) | guddummaa wareegamuu Kiristoos | | Kiristoos arsaa ta'uun isaa cubbuu dhabamsiise (9:23-10:18) | |
| 9:23-28 | 9:23-28 | | 9:23-28 | |

**MARSAA DUBBIFAMAA SADAFFAA (fuula vii ilaali kutaa seensaa irratti)**
YAADA BARREESSAA JALQABAA SADARKAA KEEYATAATIIN HORDOFUU

<u>Qajeelmani</u> qayyabannaa hiika yeroo ta’u, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu ofii keeti yeroo hiiktu itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kenameen deddeebi’uutu nurra jira. Hiiktooni jalqabaa si, kitaaba qulqulluu fi hafuura qulqulluudha. Kanaas deebifte kan hiikeirratti jechama kan biraan akka hin fudhanne.

Boqonnicha yeroo tokko dubbissi. Yaada-ijoowwan irratti. (ramaddi dubbifama lak.3 fuula viii). Yaada-ijoo kee ramaddiiwwan gara olitti tarreefaman hiika shanan wajjin wal bira qabi. Ibsi guutuun keeyaticha irratti argamuu yoo baatees hiiki yaada barreessicha jalqabaa ta’e inni guddaan irratti ni argama. Tokkoon tokkoon keeyataa yaada ijoo tokkoo fi tokko qofa qabateera.

1. Keeyata tokkoffaa
2. Keeyata lammaffaa
3. Keeyata sadaffaa
4. K.K.f…

## IBROOTA: 9:1-5

**1Kakuun inni duraa iyyuu lafa kana irratti seerrata sagadaa, godoo qulqull'aas qaba ture. 2Godoon tokko qopheeffamee ture; godicha keessaa kutaan gara balbalaa "Iddoo qulqulluu" jedhama ture; isa keesa, baattii ibsaa, gabatee buddeena ilaalchaa isa Waaqayyo duratti dhi'aatu sana baatu buddenichaa wajjin in kaa'uu. 3Golgaa isa lammaffaa garasiin inni jiru, inni gara booddee immoo, "Iddoo isa hundumaa irra caalaa qulqulluu" in jedhama. 4Achi keessa immoo iddoo aarsaa isa warqee irraa hojjetamee ixaanni irratti aarfamu, akkasumas sanduuqa kakuu guutummaan isaa warqeedhaan uffifametu jira; killi warqee inni maannaa baatu, uleen Aaroon inni late, akkasumas gabatoonni irratti caafaman, sanduuqa sana keessa in kaa'amu. 5Kirubeelulfina lamaan isa irraan teessoo araaraa golboobanii jiru turan; waa'ee wanta kana hundumaa tokko tokkoon dubbachuuf garu amma yeroo isaa miti.**

**9 :1 "Isa gara fuulduraa"** Seerratni aarsaa fi waaqefannaa mana qulqullummaa Lewwootaa wajjin wal qabateera.

◘ **"Kakuu"** kun barreefama Girikii miti. Baay'een isanii hiika ingilliffaa fudhatu. Taus, H.E. Daana, Kirstanummaa Yihudiin fuula 255 irratti kan inni amanu inni hiikuun kan irra jiru "tajaajila duraanii" kan jedhuuni dha, sababni isaa boqonnaa 9 ragaa kan biraa kan dhi'eessuu ta'u isaan, waa'ee Kristoos tajaajila olaanaa (8:6). Innis madaallii isaa tarreessee ka'eera. Fuula 255 irratti.

| **Tajaajila isa duraa** | **Tajaajila is lammaffaa** |
|---|---|
| Tajaajila lafa irraa __ | Tajaajila waaqa irraa_- |
| "Kan Addunyaa kanaa" | "Kan uumama kanaa kan hin taane" |
| Meeshaawwan namaa__ | Meeshaawwan hafuuraa |
| "Mana qulqullummaa hojjetame ture" | "Harkaan kan hin hojjetamne." |
| Dhiibbaawwan alaa __ | Dhiibbaawwan keessaa__ |
| "Sammuu waaqeffataa tuquu<br>Hin danda'u guutuu gochuuf" | "Sammuu qulqulleessa<br>Hojii cubbuu tajaajilu irra<br>Waaqa isa jiraataa |
| Kan yeroo uumamaan__ | Amala isaan dhaabbataa___ |
| "Seerrata foonni hojjeteera,<br>Yeroo murtaa'ees kan jaarame | "Abdii dhaala bara baraa." |

**9:2 "Godoo waaqefannaa"** kan inni argisiisuu lafa honaa kan turee godoo waaqefannaa bakka bakkatti deemuu dha, kunis tarreefmaan kan ibsame Bau. 25-27 fi kan ijaarame 36-38, 40. Barreessaan Ibirootaa kan inni argisiisu godoo isa gara keessaa akka jalqabaatti (alaan) godoo (bakka qulqulluu) fi lammaffaa (kan keessaa) godoo (iddoo hundumaa irra caalaa qulqulluu).

◘ **"Baattuu ibsaa"** kun kan inni argisiisu baattuu ibsaa tokko irra dungoo torba dibatni ejersaa kan ittiin boba'uu dha, bakka qulqulluu irra kan kaa'ame. Innis eerameera , Bau. 25:31-40 fi Lew. 24:1-4. Innis *menorah*, jedhame waamama, kunis "baattuu ibsaa" jecha Ibirootaan. Solomoon baattuu ibsichaa anga dhaabbaa kudhanitti guddisee ture (1Mot. 7:49, 2Sen. 4:7). Innis fakkenyummaan isaa ifa dhugaa fi mul'inaati.

◘ **"Gabattichaa fi maannaa aarsaa"** gabateen kun bakka qulqulluu kan ka'aame yeroo ta'u maannaa gurguddaa daabboo kudha lama qabateera (15 lb hanga kiiloo walakaa kan ta'u). Isaanis torbee torbeedhaan in ka'aamuu ture, nyaata lubootaaf akka ta'u (Bau. 25:23-30, 37:10-16, Lew. 24:5-9).

Isaanis kan isaan bakka bu'an Abdii Waaqayyooti, fooniif kan barbaachisu kennuudhaaf, gosoota kudha laman Yaaqoob.

▣ **"Bakka qulqulluu"** godoon kun kutaa isaa gara alaati, lubummaa isaanitiin guyyaa guyyaan kan isaan tajaajilan. Innis yeroo safaramu kuub 20 kuub 10 ni ta'a (Bau. 25-27). Barreessan Ibirootaa yeroo hundumaa jecha kana fayyadama *(hagia*) keeyata wajjin (9:8, 25, 13:11) kanas inni kan itti fayyadamu karaa keessaan yookaan isa lammaffaa bakka qulqulluu dha, qulqullootaa kan jedhamu (lak. 3) isaanis gabateen kakuu kan irra ka'aame , lakkoofsa kana irratti garu keeyatichi hafeera, akkasumas jechichi kan inni argisiisu alaan lama sadaffaa kan ta'e godoo qulqulluu dha, bakka qulqulluu kan jedhamu.

**9:3 "Golgaa isa lammaffaa"** kun godicha gara ramaddii lamaatti ni qooda (Bau. 26:31-35). Ibirootni maqaa addaa ta'e lama qabu, inni tokkofffaan golgaa fuulduraa, innis yeroo hundumaa walakaan isaa banaadha, akkasumas golgaan inni tokkooffaa keessaa, innis immoo kan hin banamne. Angafa lubaa qofatu gala (yeroo lama) guyyaa haaromsaatti (Lew. 16).

▣ **"Qulqulluu qulqullootaa"** innis kaaree kuub 10, innis gabatee kakuu Yaahiwwee qabata, fakkeenyummaan isaaf kochoo Kirubeel gidduu ta'a. Gabateen kakuchaa fakkenyummaa qaamati, Waaqa hin mul'ane (gara biyyatti abdii erga galanii booda).

**9:4 "Qodaa ixaanaa Warqee"** kun boca aarsaa kan qabu meeshaa manaati, ixaani baay'inaan itti godhama, guyyaa haroomsaatti, aara guutee uumuudhaaf, argamuu Yaahiwwee golguuf, gabatee kakuu irra. Barreesitootni qulqulluu qulqullootaa keessa kan ka'aan isaanitti fakkaata. Kunis yaada kennitootni gaalee kana "qodaa ixaani itti aarsamu" akka ta'e fudhataniiru, sababni isaa septuwajentiin jecha kana kan inni hiiku bifa kanaan ta'uun isaa (Lew. 16:12, 2Sen. 26:19, Hiz. 8:11, IV. Mik. 7:11). Ta'us Fiinoo fi Jooseefas jecha Girikii wal fakkaataa fayyadamu, aarsaa ixaanaaf. Kakuu moofaatti bakki aarsaa dhi'ootti kan mul'atan qulqulluu qulqullootaa wajjini dha (Bau. 30:1-10, 37, garuu keessa iyyuu 1Mot. 6:22).

Cileen isa guddaa qodaa aarsaa bakka aarsaa irra, balbala godoo bulti irraa fudhatame bakka dhaaba xiqqaa kana irra godhama. Isa booda ixaani cilicha irratti godhama, aaraa guddaa isaa uumuudhaaf: kun foolii ajaa'ibsiisaa kan qabu aarii ija angafa lubichaa golga, Yaahiwwee akka hin argineef, innis gabatee kakuu gararraa kan jiratu, koochoo Kirubeel gidduu, qulqulluu qulqullootaa.

▣ **"Gabatee kakuu"** kakuu Bau. 25:10-22 fi 37:1-9 irratti ibsameera.

## MATA-DUREE ADDAA: GABATEE KAKUU

I. Kayyoon isaa
   A. Bakka Yaahiwweeen jiraatu (jechuun,bakka ejjeta miilla isaa,1Sen.28:2, Faru. 132:7, Isa. 66:
      1. Saba isaa wajjin, qoochoo Kirubeel gidduu
   B. Bakka dhiifama cubbuu, namoota hundumaaf (Israa'el, Lew. 16 fi 1Mot. 8:27-30, Ba'idaan, 8:41, 43, 60)
II. Qabiyyeen isaa
   A. Aadaa barsiisotaa
      1. Gabatoota lamaan, Yaahiwweeen jechoota kurnan kan itti barreesse (Bau. 31:18, 32:15-16)
      2. Utubawwan birrii lamaan, gabaticha kan utuban (waabdii kitaaba qulqulluu kan hin qabne)
      3. Kan jalqabaa caccabaa gabatoota lamaanii, Museedhaan kan caccaban, warri Israa'eel (Aaroon) jabbii warqee hojjetee sababa waaqessuu isaaf (Bau. 32:19, Kes. 9:17, 10:2)
      4. Guutuummaa Tooraa (kitaaba seeraa) waraabbii (Bau. 25:16)

      5. Maqaawwan Waaqayyoo (1Mot. 8:29 kabalah kan guddatan, iciitii warra Yihudootaa
   B. Waabdii kitaaba qulqulluu irraa, akka qabiyyee isaatti (isaan kanas amansiisaa ta'uu hin dandeenye, kan isaan eeran gabatee kakuu keessa kan jiran yookaan isaan ala kan ta'e ta'uu

C. isaan)
   1. Huuroo maannaan keessa kaa'amu (Bau. 16:31-36)
   2. Ullee Aaroon ishee biqilte (Lak. 17:4, 10; Ibr. 9:4)
   3. Aarsaa cubbuu warra Filesxeem (hantuuta warqee irraa hojjetame shan fi iitoo warqee irraa hojjetame shan, 1Sam. 6:3-4, 8)
   4. Waraabbii jechoota kurnanii (Kes. 10:4-5, 31:26)

D. Eebba mana qulqulluummaa Solomoon irratti, 1Mot. 8 kan jedhame, gabateen kakuuchaa kan inni qabate taboota lama qofaa dha (jechuun, jechoota kurnan, 1Mot. 8:9)

III. Bakkii yaadamuu qabu

A. Fillannoowwan seenaa

1. Gara Gibxiitti fudhatameera, Shishaaqiin (Dha. K.D 935-914) yeroo inni Yihudaatti duuleetti, waggaa shanaffaatti (Dha. K. D. 926) bittaa Rehobiyaamin (mucaa Solomoon) (1Mot. 14:25-26, 2Sen. 12:9).
2. Gara Gibxiitti fudhatameera (Zo'aan, Taanis, Avaris __ maqoota adda addaa, kan dubbartiitti I magaalaa guddittii daangaa galaanaa kan turte) Farihoon Nikaa'uu II, inni immoo sanyii Daawit kan ta'e Jehonaziin kan gargaare (mucaa Iyusiyaas)Dha. K. D. 597 (2Mot. 23:31-35, 2Sen. 36:1-4)
3. Gara Baabiloonitti fudhatameera, gara mana qulqullummaa Madirukiitti, Nabukidenaxor II, Sedeqiyasitti yeroo deemeetti (Dha. K. D. 586) manni qulqullummaa gubateera (2Mot. 25:9, 13-17; 2Sen. 36:18).

B. Aadawwan Yihudii
   1. Neebiin/Pisgahii gaara irratti baqataniiru, Ermiyaasiin, kufaatti Yerusaalemiin dura
   2. Kitaaba raawwataa kan ta'e 2Baarook kan inni jedhuu ergamaan akka baqatee dha
   3. Haala hin beekamneen dhokateera, ta'us garuu Eliyaasiin ni deebi'a, utuu Masihiin hin dhufiin duraan (Milk. 4:5)
   4. Gaara Garizan irratti baqateera (Sekem) achittis warri Saamiranoota mana qulqullummaa ofii isaanii Yaahiwwee dhaa kan isaan ijaaran

▣ **"Gabatee warqee Maannaan irra jiru"** septuwajenti fi Fiiloo "warqee" kan jedhu addeessa qabu, ta'us garu Masoretikiin barreefama Ibiroota hin qabu (Bau. 16:31-36). Joosefas kan inni jedhu inni safartu afur (Pintes) qabata. Ajaa'ibsiisaa kan ta'e maannan shaagatu dhiisuu isaati (Bau. 16:18-21, 22-25).

▣ **"Ulee Aaroon biqilte"** uleen kun mallattoo Yaahiwweeti, geggeessaa Musee fi Aaroon kan mirkanaa'ee, yeroo utubaa qoreeti (Lak. 17:1-11, 20:8-11).

▣ **"Taboota kakuu"** kun kan inni argisiisu taboota kakuu lamaanii dha jecha kurnan Oriit wajjin, (jecha kurnan) isaan irratti harka Waaqayyoon kan barreefame (Bau. 25:16, Kes. 9:9, 11, 15, 10:3-5, 31:18, 32:15). Kitaaba keessa deebii fi Iyyaassuu 24 wali galtee akkina Kexiyaanootta duuka bu'a (bar-kumee bara haraaraa isa lammaffaa). Kakuuwwan isaanii yeroo hundumaa warabbii lama qabu, inni tokkooffaan jalee mootiif, waggaa waggaadhaan akka dubbifamuu fi inni tokkoo immoo ergamaa mana qulqullumaaf. Kanaaf isaan lamaan taabootni dhagaa waraabii baay'aatan ta'uu danda'u.

**9:5 "Kirubeel ulfinaa"** kun kan inni argisiisu uumama lamaan gidu galeessa godhateeti, golgaa iddoo aarsaa (qadaaddoo", fiixee irratti, isaan koochoowwan kun gabatee kakuuchaa uwwisu (Uma. 3:24, Bau. 25:18-22, Hiz. 10:14, garuu Hiz.. 41:18 irratti isaan fuula lama kan isaan qaban, afur osoo hin taane. haalli haaraan chaanaalii seenaa vidiyoo, "Ba'u ifa gochuuf" kan isaan mirkaneessan isaan Fooneeksi (gosa simbiraa) akka ta'eetti dha. Kitaabni qulqulluun waa'ee addunyaa ergamaa baay'ee kan hin ibsuu hin jiru. Beekuu barbaaduun keenya baay'ee fagaatee deemeera, dhugaa mul'ate caalaa. "Ulfina" jechi jedhu 1:3 irra yaadannoo jiru ilaali.

⊡ **"Qadaada aarsaa cubbuf godhamuu"** kun kan inni argisiisuu qadaddoo warqeeti, saanduqa mukaa, "taaboota kakuu" jedhamee kan waamamu. Innis bakka addaatti cubbuu "qadaaduuf". Bakbuusii isaa ta'uu kan danda'u

1. Yaahiween lamaanu uumama ergamaa kochoowwan gidduu ni jiraata (barsisootni kan ejjennoo teessoo isaati ture)
2. Saanduqichi "jechoota kurnan" qabateera (aboomiwwan kurnan)
3. Angafni lubaa, guyyaa haroomsaatti (Lew. 16), gara qulqulluu qulqullootaa yeroo lama seena, qadaadoo aarsaa cubbuuf godhamu irratti dhiiga kaa'uuf, tokkoo cubbuu mataa isaa fi tokkoo sabichaa hundaaf cubbuu dogogoraan hojjetame (lak. 7)

Ulaagaaleen seerrichaa kan uwwifame, kan haguugame ture, fuula Yaahiwwee duraa, dhiiga horii mudaa hin qabnee (dhiiga lubbuu qabu irratti dha, cubbuun jireenya gaaffata).

⊡ **"Waa'ee isaan kanaa tokkoon tokkoon isaanii dubbachuuf amma hin dandeenyu"** kun fudhachuu dhiisuu dha. Barreessitootni keenya godoo waqqeefannaa durii tarreefama isaa fayyadamaniiru, amma kan hin beekamne.

## IBROOTA: 9:6-10

**6Egaa kun hundinuu akkasitti qopheeffame; luboonni guyyaa hundumaa hojii sagada isaanii raawwachuudhaaf, godicha keessaa kutaa isa gara balbalaatti in galu turan. 7Angafni lubootaa garuu kophaa isaa, godicha keessaa kutaa isa gara borootti, waggaatti guyyaa tokko duwwaa ol I gala; cubuu inni ofi isaatii, sabni sunis utuu hin beekiin hojjetaniif aarsaa dhi'eessuudhaaf, inni dhiiga baatee ol in gala. 8Isa kanaan hafuurri qulqulluun, hamma godoon inni duraa sun dhaabateejirutti, gara isa iddoo isa hundumaa caalaa qulqulluutti darbuudhaaf, karaan namaaf amma illee akka hin banamin, in argisiissa. 9Inni fakkeenya bara si'eenaati; akka qophee kanaatti kennawwan, aarsaawwan dhi'eeffamanis yaada garaa namicha isa sagaduu sana qulleessanii, fiixaan baasuu hin danda'an. 10Isaan kun waa'ee nyaataa fi dhugaatii, waa'ee yeroo garaa garaatti of qulleessuudhaaf of dhiquu waan ta'aniif, seerrata namumma isa duubaatiif kennamanii hamma seerichi haara'utti hojjetanii dha.**

**9:6 "Yeroo hundumaa godoo fuulduraatti ol seenu"** luboonni yeroo hundumaa kan itti qabatan *menorah* dibata itti guutu (Bau. 27:20-20), torbee torbeetti maannaa bakka buusuu (Lew. 24:8-9), akkasumas ixaana muraasa qodaa aarsaa irratti ni godhu (Bau. 30:7-8).

**9:7 "Angafni lubaa… waggaatti yeroo tokko"** guyyaa ayyaanaa isa guddaa qofatti seena (*yom kippur*), guyyaa haroomsaa (Lew. 16). *"Kipper*" jechuun "uwwissuu" dha, Akkadian cognate jechuun "haxaa'ee balleessuu" dha. Ibiroota 9 kan irratti xiyyaafatu guyyaa haroomsaatti seerrata waaqefannaati, kan biraa boqonnaa kam iyyuu caalaa, kakuu haaraa irratti.

⊡ **"Doggogoraan"** dogogoraan cubbuu hojjetame qofa dha seerrata iddoo aarsaa kan argamu. Ta'I jedhamee cubbuu godhame, yookaan "cubbuu of tuullummaa" (KJV) hin hojjetamu (Lew. 4:2, Lak. 15:24, 27, 30, 31, FAru. 51:17). Guyyaa haroomsaatti dursee kan raawwaatamu xura'umaa sabichaa kan ilaalate kan ta'u seerrata dha.

**9:8-10** isaan lakkoofsoonni kun kan isaan argisiisan (1)amala kakuu Musee duraanii fi (2)olaantummaa kakuu haaraati. Kristoosiin kan ta'e kakuu haaraa akkamitti kan fooyya'e ta'a?

1. Kakuu moofaatti angafni lubaa gara keessoo mana qulqullummaa seena, waggaatti yeroo tokko, waa'e cubbuu mataa isaati fi waa'ee cubbuu dogogora Israa'eel (dhi'eenya murtaa'ee fi dhiifama murtaa'ee).

2. Kakuu haaraatti amantootni hundumtuu gara Waaqayyootti dhi'aatu, sababa Yesus cubbu-maleessa ta'ee fi ta'I jedhame fi cubbuu dogogoraa gidduu kan jiru garaagarummaa dhabamsiifamuun (dhi'eenya guutuu fi dhiifama guutuu).

Kakuu haaraan (Erm. 31:31-34), Kristoosiin hoji xumurame amanti qabnu irratti hundaa'uun, bu'aa hojii namaa irratti osoo hin ta'in seera alaan, kan waaqessaniif ija jabummaa keenya (laphee haaraa, hafuura haaraa, Hiz. 36:20-27) Waaqa qulqulluutti dhi'aachuuf, seerrata waaqefannaan yookaan waaqefannaa wali wajjini osoo hin taane (6:1-2), garu karaa wangeelaatiin.

**9:8**
**NASB "mana qulqullummaa karaa alaa"**
**NKJV "mana qulqullummaa fuulduraa"**
**NRSV "godoo fuulduraa"**
**TEV "godoo alaanii"**
**NJB "godoo isa moofaa"**

Barreessaan Ibirootaa kan godichaa gara alaa "godoo fuulduraa" jedhe waama, "mana qulqullummaa" kan jedhuu eeruudhaan. Kunis waaqefannaa kakuu Musee bakka bu'a, innis gara Waaqayyotti guutuu guutuutti dhi'aachuudhaaf kan hin karoorsine. Mana qulqullummaa Herodisitti golgaan irraa gara gadiitti baqafameera, Yesus yeroo du'e (Mat. 27:51) kunis dhi'eenya haaraa argisiisa Kristoosiin.

**9:9 "Kan waaqessuus sammuudhaan guutuu gochuu hin danda'an"** kakuu moofaa yakka cubbuu sammuu mucaa namaa irraa baasuu hin danda'u (lak. 14). Sammuun kakuu haaraa (kakuu moofaa osoo hin ta'in) qajeelfama safuuti (1Phex. 3:21). Balaaa kan ta'u inni haala aadaa ta'uu danda'uun isaa yookaan cal jechuun wal makuu danda'uu isaati (Mat. 23:25-26). Inni sadhatawaa kakuu haaraati "sagalee callisaa lubbuutiif" yookaan "sagalee gad aanaa " 1Mot. 19:12.

Ibiroota irratti fayyadamni jecha kanaa ibsa ajaa'ibsiisaa Roobert. B. Girirdilstooniin wal fakkeenya kakuu moofaa irratti argama

"Ergaa Ibirootaa irratti dubbifamoota jiran, jechi isaa kan irratti raawwatame baay'ee ajaa'ibsiisaa fi kan fayyadanii dha. Ibr. 9:9 kan argannu kakuu moofaa jalatti kan turan kennawwan nama 'qalbiin guutuu gochuuf gaheen isaa hin qaban turan' jechuun miira cubbuu fudhachuu hin danda'an, innis, namni Waaqayyo wajjin tokkummaa akka hin qabaane gara booddeetti kan harkisan. Isaan cubbuu fudhachuu hin danda'an, akka dhugaa isaa yoo ta'e, isaan hin danda'an, uumamu wantootaa, cubbu Lewwootaa aarsaa cuubbuuf godhamu dhiibbaa namoota guutuu gochuuf yoo ta'e, jechuun, Waaqayyo wajjin tokkummaa, kennaawwan irra deddeebiin turan. Waaqesiiftooni yeroo tokkoo fi yeroo hundaa kan isaaniif hojjetamu, isa booda cubbuun qalbi isaanii keessaa osoo hin jiraanne (Ib. 10:2). 'Dhiiga Kristoos' garuu qalbii namaa qulqulleessa, hoji du'aa irraa, kanaaf Waaqayyoo isa jiraata akka tajaajiluuf ni dandeesisa (Ib. 9:14), kanaaf wanti inni guddaan isa kana 'qalbii hamaa irraa qulqullaa'uu' (10:22). Ibsa biraadhaan, aarsaan Kristoos fudhatama amanamaa argachuun miira cubbuu fudhata, innis namaa fi Waaqayyo gidduu daangaa kan ta'e, kanaaf namni isa booda akka tajaajilaatti akka jiraatu akka godhu, akka mucaati malee" (fuula 73).

⊡ **"Guutuu"** mata duree addaa 7:11 irratti ilaali.

**9:10**
**NASB "bara haroomsaa"**
**NKJV "bara haroomsaa"**
**NRSV "godoo isa gara fuulduraa"**
**TEV "barri wantootni itti sirra'uu dhufe"**
**NJB "godoo isa moofaa"**

Kun kan inni argisiisuu Yesusiin kan eebbifame kakuu haaraa dha. Gaaleen kun barsisootaan faayidaa irra ooleera, isa dhumaatiif “ayyaana yaadannoo” Masihiin yeroo dhufee. Innis bifa safuutiin Erm. 7:3, 5 irratti faayidaa irra ooleera.

## IBROOTA: 9:11-14

**11Kristos garuu wanta gaggarii dhufuuf jiraniif angafa lubootaa ta’ee yeroo mul’ate, gara godoo isa caalaa guddaa fi isa caalaa raawwatamaa keessatti darbe; godichis harkaan hin ijaaramne, waan uumame kana keessaas hin qabu. 12Kristoos aarsaadhaaf dhiiga re’ootaa fi dhiiga jibootaa baate utuu hin ta’in, dhuuga ofii isaa dhangalaasuu isaatiin al tokko bara baraan gara iddoo isa hundumaa irra caalaaqulqulluutti ol gale; nuufis furee bara baraa argate. 13Egaa dhiiga re’ootaa fi koromii, daaraa foon goromsa aarfamtees, namoota xuraa’an sanatti facaasuun, xuraa’ummaa foon isaanii irraa isaan in qulleessa erga ta’e. 14dhuugni Kristoos isa hafuura bara baraatiin, aarsaa mudaa hin qabne godhee ofii isaa Waaqayyoof dhi’eesse immoo, isin hojii isa du’atti geessu dhiiftanii, Waaqayyo isa jiraataadhaaf hojjetotoota akka taataaniif, hammam guddaa caalchisee yaada garaa keessanii ha qulleessu ree?**

**9:11 “Ta’us garuu Kristoos angafa lubootaa ta’ee,”** kun yoom ta’e:

1. Uumaamaan fuul dura (Mul. 13:8)
2. Qaraniyoo irratti (Lak. 12)
3. Gara mirga Waaqayyo erga godhee booda (gara mana qulqullummaa Waaqa irra yeroo seenu, 9:24-25)

Yesus mataa isaa yeroo lama dhi’eesseeraa? Akkas yoo ta’e, “yeroo tokko hundumaaf” kan jedhu mirkanneessuun maaliif ta’e? ta’u kan danda’u ofii isaa dabarsee kan kenne, Qaraniiyootti aarsaa ta’uun, ta’us garuu akka angafa lubaatti kan hojjetu erga tasgaba’ee booda dha yookaan tarii akkasuma (1)fakkaatti barumsa hafuuraa yookaan (2)iciitii yaada hafuuraan liqimfamuu barsisoota.

▣ **“Dhufuuf kan jiru wanta gaarii”** barreefamni harkaa Girikii durii adda addaa: (1) “wanta dhufuuf jiru” ℵ, A, (NASB, NKJV, NJB) fi (2) “wantootni dursani as ta’aniiru” P[46], B, D*, (RSV, NEB, TEV, NIV) irratti.

▣ **“Harka namaatiin kan hin ijaaramne”** warri tokko tokkoo kana kan isaan ilaalan akka amantoota du’aa ka’uu fooniitti (2Qor. 5:1) fi qaama Yesus (Mar. 14:58). Ta’us, akkaataan qabiyyee barreefamichaa kan inni eeruu mana qulqullummaa waaqa irraati (Ib. 8:2, 9:24).

**9:12 “Dhiigaa re’ootaa fi jabiillee miti”** re’ootni sabichaaf cubbuu turan (Lew. 16:11) akkasumas jabilleen cubbuu angafa lubaaf (Lew. 16:11). Seera aarsaa kakuu moofaatti (Lew. 1-7) kennaa arjummaa Waaqayyoo ture, kan eyyamu (gadidduu du’a Kristoos kan ta’e) beelada muda-maleessa ta’e, cubbuu namaaf adaba du’aa kan hambisu (Lew. 17:11).

▣ **“Dhiiga ofi isaan”** bakki maqaa Girikii “dia” ta’uu kan danda’u (1)”karaa isaa” (NASB, NIV) yookaan (2) “isaan” (NKJV, NRSV, NJB) dha.

▣ **“Bakka qulqulluu”** kun asitti kan inni argisiisu “qulqulluu qulqullootaa” dha, mana qulqullummaa waaqa irraa.

▣ **“Yeroo tokko raawwatee”** kun yeroo hundumaa cimsa irra deddebi’uu dha (7:27, 9:28, 10:10). Innis kan inni mirkaneessuu guutuu ta’uu Kristoos aarsaa raawwatamee dha. 7:27 irra kan jiru yaadannoo ilaali.

**9:12**
**NASB, NKJV,**

**NRSV** **"oolchuu isaa bara baraa argatee"**
**TEV** **"fayyina bara baraa argatee"**
**NJB** **"oolchuu isaa bara bara argatee"**

Kun kan keeyata giddu galeessa Booz yeroo ta'u kan inni argisiisuus gocha xumuramee dha, hirmaannaa fi fedhii abba dhimmichaa mirkanneessuuf. "kan bara baraa" jechi jedhu kan inni walitti dhufu (1)qulqullina irratti, "jireenya bara isa haaraa" (2)baay'ina irratti , "jireenya dhuma hin qabne." Ibiroota irra kan jiran of-eegachisoonni baay'ee dhiibbaa waan qabaniif, lak. 1 karaa fooyya'aan kan wal simu fakkaata. Mata-duree addaa: bara baraan 6:2 irratti ilali.

◘ **"Furuu"** jechi kun kan inni argisiisu fira dhi'oon kan kaffalamu furuu dha, tokko akka hiikamuuf. Kun kan kakuu moofaa "go'el" dha (Rut. 4, Isa. 43:1, 44:22, 23, 48:20, 12:9, 63:9, Hos. 13:14).

**9:13 "Akka"** kun kan rammaddi tokkooffaa hima haalaati innis dhugaa jedhamee kan yaadamu. Waaqayyo seerrata aarsaa Musee fudhateera, cubbuuf qadaaddoo akka ta'u, hanga Kristoositi!

◘ **"Daaraa goromsaa"** daaraa gormsa diimtuu qulqulleessu ayyana kabajamaaf faayida irra oolaa ture (Lak. 19).

◘ **"Itti facaassu"** kun kutaa seerrata waaqefannaa Musee yeroo ta'u dhangala'oo kan of keessatti qabatuu dha (dhiiga yookaan daaraa goromsaa bishaaniin bulbulame). Innis qulqullummaa yookaan humna karaa ittiin daddabarsanii dha. Robert B. Giridilstoon fakkeessumaa kakuu moofaa irratti yaada ajaa'ibsiisaa qaba.

> "Facaasuun *(shantismoi*) keessaa iyyuu erga Ibirootaa irrati kan argisiisan gosa lama – daaraa goromsa diimtuun kan godhamu, waan xuraa'aa tokko tokko kan raawwateef (Ibr. 9:13), fi dhiigaan kan raawwatamuu dabalataanis sabichaa fi kitaabicha irratti dha, gocha kakuu moofaatti, dabalataaniis mana qulqullummaa fi kan biroo meeshaawwan irratti, tajaajila qulqullaa'een (Ibr. 9. 19. 21). Irra guddeessan isaan dhiga Yesus facaasuun fakkeenyoota, innis dhiiga Abeel caalaa kan dubbatu (Ibr. 12:24)" (fuula 152).

**9:14 "Ammam caalaa"** kakuuwwan wal dorgomsiisuun, erga kitaabichaati (2:1-3, 3:3, 8:6, 10:28-29).

◘ **"Innis hafuura bara baraan"** kun kan Kristoos dursa le'ii hafuura yookaan hafuura qulqulluu dha.

Yunitidi Bible Societiin erga Ibirootaa yaadannoo irratti Ilingiworzii fi Niidaa, maaliif qubee xiqqaa "s" akka ta'ee sababawwan baay'ee tarreesaniiru, baay'een isaani hiika ammayyaa (NASB, NKJV, NRSV, TEV, NJB, NIV) qubee guddaa yeroo qabaatan.

1. Keeyatni murtaa'aan hin jiru
2. Barreessan yeroo hundumaa waa'ee "hafuura qulqulluu" dha kan inni dubbatu, kanaaf isa kan ibsuu guutummaa waamama kanaati
3. Gaaleen kun wal cina ta'uu danda'a, "humna jireenya hin badnee" 7:16 irratti (fuula 196).

Warri Ibirootaa yaada bal'aa isaa irratti yaada bal'aa itti fufu Addunyaalessaa haaraa , F. F. Birus yaada ajaa'ibsiisaa kenneera, jechuun yaad-rimee hafuuraa kutaa Isaayaasiin kan waabefatuu dha "farfannawwan tajaajilaa" kan jedhu (boqonnaa 40-54). Kutaa kana irratti, 42:1 jedha "Hafuura koo isa irra nan kaa'aa" (fuula 205). Kitaaba Ibiroota kan fakkaate, innis kakuu moofaa bilissummaan kan itti fayyadamu, kun miiraa gaarii kenna.

◘ **"Mataa isaa dhi'eesse"** kun gocha fedhi irratti hunda'ee kan Kristoos (Yoha. 10:17-18, 2Qor. 5:21, Fil. 2:8, Isa. 52:13-53:12) mata-duree addaa ilaali: Yesus akka angafa lubaa 2:17.

◘ **"Mudaa-malee"** mata duree addaa 7:26 irratti.

◘ **"Hoji cubbuu irraa"** gaaleen wal fakkaataan kun 6:1 irratti ni ta'a seerrata waaqeffannaa kakuu moofaa fi ulaagalee eeruun, fayyina akka argachuu. Bifni isaa dhugaan kan raawwatamee wal jijjiraa aarsaa hoolaa Waaqayyoti (Yoha. 1:29, 1Yoh. 3:5), ani dhugumatti yaada M. R. Vinseetiin nan ajaa'insifadha, qayyabannaa jechaa kakuu haaraa, innis hojii du'aa fi seerrummaa tolummaa mata ofii seerummaa isaa kan walitti fidu:

> "Inni amala hojiiisaa ni jijjira, wantoota hojii du'aa keessa baasuun. Wanti kun wantoota qofaaf miti, Isaanis akka cubbamatti kan isaan lakka'aan fi namoota cubbamootaan kan raawwataman, ta'us garuu hojiiwwan isaatiif, maqaa amantaatiin kan adeemsifaman, ta'us kara seera hafuuraan kan raawwataman. Ta'us, inni amantii amantaa irraa kan guddatee ta'uu isaan, kirstaanummaan kan hamaatee fi hojii fincila ta'een qorumsawwan godha. Pirofeser Birus si'iin jedha 'humna Kristoosiin qormaata hamaa furuuf kan ta'u dandeetti isaa, kunis hidhaa hiikuuf, kan inni dhufu amanta seera qabeessa irraatti, kanaanis baay'een bakka hidhamanii, bittaa isa hamaa fi shakkala cubbuu irraa kan gadi dhiifaman" (fuula 1139-1140).

◘ **"Waaqa isa jiraataa tajaajiluuf"** amantootni kan fayyaniif tajaajiluuf akka ta'e hubadhaa (Rom. 6). Fayyummaan garbummaa cubbuu jalaa bilisa ba'uu dha, gara gooftummaa Waaqayyooti! Fayyinni bu'aa miti (duraan dursamee kan bitame tikeeti mootummaa Waaqayyoo yookaan waabdi polisii bal'aa abiddaati), ta'us garuu amantiidhaan, abboomamuu dhaa fi walitti dhufeenya tajaajila ta'en malee. Amantootni hunduu kennaa tajaajilaa qabu(Efe. 4:11-12) fi qaama Kristoosiin tajaajiluuf (1Qor. 12:7, 12).

"Jiraachuu" addeessi jedhu waaqummaa kakuu moofaa jecha ittiin waamamuu dha, Yaahiwwee, innis "kan ta'uu" irraa gochama jalaa kan ta'e. Yaahiwween bara baraan jiraataa, qophaa isaa kan jiraatuu dha!

## MATA DUREE ADDAA: WAAQUMMAAF MAQOOTA KENNAMAN

A. El (BDB 42, KB 48)
   1. Hiikni jecha gamtaa Waaqummaa durii wanta mirkanaa'ee miti, hammamiyyuu barattoonni danuun hiddi Akkadian 'cimaa" ykn "humna qabeessa" jedhanii amananillee (cf. Uma. 17:1; Lak. 23:19; Kes. 7:21; Far. 50:1)
   2. Waaqni ol'aanaan Gartuuwwan namoota beekamoo Kana'aan (kitaaba Ras Shamra)
   3. Macaafa Quqlulluu keessatti El jechoota biroo wajjin yeroo hunda walitti hin makamani. Walitti makamuuwwan kunniin Waaqayyoon tahiyyeessuuf karaa ni ta'e.
      a. El – Elyon (Waaqayyo Hundaa olii, BDB 42 fi 751 II), Uma. 14:18-22; Kes. 32:8; Isa. 14:14)
      b. El-Roi ("Waaqayyo isa ilaalu" ykn "Isa ofii Isaa mul'isuu" BDB fi 909), Uma. 16:13
      c. El-Shadaai ("Waaqayyo Gaaraa" BDB 42 fi 994), Uma. 17;1; 35:11; 43:14; 49:25; Ba'u 6:3)
      d. El-Olam (Waaqayyoo Bara Baraa BDB 42 fi 761) Uma. 21:33. Jechichi Kakuu Waaqayyoo Daawitiif gale wajjin karaa ti'oolojiitiin kan walitti hidhameedha, 2Sam. 7:1,16
      e. El-Berit ("Waaqayyoo Kakuu" BDB 42 fi 136, Abo. 9:46
   4. El
      a. YHWH Far. 85:8; Isa. 42:5
      b. Elohim, Uma. 46:3, Iy. 5:8 keessaa, "Ani El dha, Elohim abbaa keetii"
      c. Shaddai Uma. 49:25
      d. "inaafaa" Ba'u 34:11, Kes. 4:24; 5:9; 6:15
      e. "araara" Kes. 4:31, Nah. 9:31 keessaa
      f. "guddaa fi sodaatamaa" Kes. 7:21; 10:17; Nah. 1:5; 9:32; Dan. 9:4
      g. "beekumsa" 1Sam. 2:3 keessatti
      h. "da'oo cimaa koo" 2Sam. 22:33 keessaa
      i. "ijaa baasaa koo" 2Sam. 22:33 keessa
      j. "tokkicha quqlulluu" Isa. 5:16 keessaa

k. “hundaa oli” Isa. 10:21 keessaa
l. “fayyina koo” isa 12:2 keessaa
m. “guddaa fi humna qabeessa” Er. 32:18 keessaa
n. “adabaa sirrii” Er. 51:56 keessaa wajjin kan wal qixxaa’uudha.

5. Walitti hidhamni hundaa ol ol’aanaa ta’e maqoota Waaqayyoo Iyyaasuu 22:22 (El, Elohim, YHWH, irra deebi’ame) keessatti ni argama.

B. Elyon (BDB 715, KB 832)
1. Hiikkaan bu’uraa isaa “ol’aanaa” “kan oqubaan dhihaatuuf” ykn “ol ol jedhe” (cf. Uma. 40;17; 1Mot. 9:8; 2Mot. 18:17; Nah. 3:25; Er. 20:2; 36:10; Far. 18:13).
2. Inni maqaawwan/taayitaawwan Waaqayyoo danuu wajjin cinaayyaadhaan fayyadee jira.
   a. Elohim – Far. 47-12; 73:11; 107:11
   b. YHWH – Uma. 14:22, 2am. 22:14
   c. El-shaddai – Far. 91:9
   d. El-Num 24:16
   e. Elah – yeruma hundaa Daani’eel 2-6 fi Iziraa 4-7 keessatti illair wajin walitti hidhamuudhaan ni fayyada (Armaayikiitti “Waaqayyo Hangafa”) Dan. 3:26; 4:2; 5:18,21
3. Inni yeroo baay’ee warra Isiraa’eloota hin taanee faayidaarra oola
   a. Malkiisedeq, Uma. 14:18-22
   b. Balaam Lak. 24:16
   c. Muusee, waa’ee saboota Kes. 32:8 keessatti dubbatuu
   d. Wangeelli Luqaas Kakuu Haaraa keessaa barreeffamni Ormootaaf barreeffames dabaltaan jecha Giriikii wal qixa ta’e Hupsistos (cf. 1:32,36,35,76; 6;35; 8;28; HoE 7:4; 16:17).

C. Elohim (DANESSA), Eloah (LEEXAA) ifatti walaloo keessatti faayidaarra oole (BDB, 43, KB 53)
1. Jechi kun Kakuu Mofaatiin ala hin argamu
2. Jechi kun Waaqa Isiraa’el ykn Waaqolii tolfamoo sabootaa addaan baasee ni kaa’a (cf. Ba’u. 12:12; 20:3). Warri Abrahaam Waaqayyoolii biraatiif ni hojjetu turan (cf. Iya. 24:2)
3. Inni abbootii firdii Isiraa’el eeruu ni danda’a (cf. Ba’u. 2:6; Far. 82:6).
4. Jechi elohim dhagnoota hafuuraa kan birootiifis (ergamoota, hafuura hamaa) akka Kes. 32:8 (LXX); Far. 8:5; Iy. 1:6; 38:7 keessaatti faayidaarra ooleera.
5. Macaafa Qulqulluu keessatti inni aangoo/maqaa Waaqummaa jalqbaati (cf. Uma. 1:1). Inni addumatti hamma Uma. 2:4; iddoo itti inni YHWH wajjin walitti makametti faayidaarra ooleera. Inni bu’urumaarraayyuu (karaa ti’oolojiitiin) Waaqayyo akka uumaa, itti fufsiisaa, fi dhiheessaa pilaaneetii kana irratti jireenya hunda hunda dhiheessu ni eera (cf. Faarsaa 104).
   Inni El wajjin moggaadha (cf. Kes. 32:15,19). Inni dabalataanis akka Faarsaa 14 (elohim) sirrumatti akka Faarsaa 53 (YHWH) jijjiirama maqaalee Waaqummaatirraa kan hafe YHWHdhaan cinayyaa ta’uu ni danda’a.
6. Hammamiyyuu DANEESSAAN FI Waaqayyoolii kan birootiif faayyadullee, jechi kun yeroo baay’ee Waaqayyo Isiraa’el addaan nib aasa garuu immoo itti fayyadama Waaqayyo tokkicha amanuuf agarsiisuuf yeruma hunda GOCHIMA LEEXAA ni qaba.
7. Jechi kun akka maqaa Waaqummaaf ta’utti afaan warra Isiraa’elootaan ala ta’an keessatti ni argama.
   a. Malkesideeq, Uma. 14:18-22
   b. Balaam, Lakk. 24:2
   c. Muusee, yommuu waa’ee sabootaa dubbatu, Ba’u 32:8
8. Maqaan beekamaan Waaqa tokkoo Waaqayyoo Isiraa’el DANEESSA ta’uun isaa waan hin baratamneedha! Hammamiyyuu wanti mirkanaa’e jiraachuu baatullee, ti’ooriiwwan kunooti.
   a. Ibraayisxiin DANEESSA yeroo baay’ee danuu ni qabu. Sirriitti kanaa wajjin kan walitti dhihaatu barreeffama caasluuqaa Ibraayisxii booddee “The plurar of majesty” jedhamu, iddoo itti DANESSAAN qabiyyicha addeessuuf faayidaarra ooledha.
   b. Inni kun tarii mana mare wangeela, isa Waaqayyo Waaqarratti wal qunnaman fi isa gatii dhiheessuu Isaa raawwatu eeruu ni mala, (cf. 1Mot. 22:19-23; Iyob 1:6; Far. 82:1; 89:5,7)
   c. Inni kun Kakuu Haaraa keessatti mal’achuu sadan Waaqa tokkoo dhagnoota sadi calqqisiisuu ni danda’a. Uma. 1:1 Waaqayyo ni uuma; Uma. 1:2 Hafuurri ni hammata, akkasumas Yesuus Kakuu Haaraa uumama keessatti bakka bu’aa Waaqayyo Abbaati (cf. Yoh. 1:3,10; Rom. 11:36;

1Qor. 8:6; Qol. 1:15; Ibr. 1:2; 2:10).

D. YHWH (BDB 217, KB 394)

1. Inni kun maqaa isa Waaqayyo akka Kakuu kennu, Waaqayyo akka fayyisaa, hafuura hamaarraa quqlulleessaa ni calaqqisiisa! Dhalli namaa kauuwwan ni cabsu, garuu immoo Waaqayyo sagalee, abdii, fi kakuu Isaatiif amanamaadha (cf. Faarsaa 103).

   Maqaan kun jalqaba Elohim wajjin walitti makamuudhaan Uma. 2:4 keessatti eeramee ture. Uumama 1-2 keessatti yaadota uumamaa lama otuu hin ta'in, xiyyeeffannaawwan lama (1) Waaqayyo akka uumaa bantiiwwan Waaqaaf lafaa (kan mul'atu) fi (2) Waaqayyo akka uumaa addaa dhala namaa tu jira. Umamni 2:4-3:24 mul'ata addaa waa'ee taayitaa mirgi dhalootaa kennamuufi kaayyoo dhala namaa, akkasumas akka rakkina cubbuutii fi taayiaa adda ta'e wajjin fincila gamtaa'een ni jalqaba.

2. Uma. 4:26 keessatti "namoonni Waaqayyoon (YHWH) maqaadhaan waammachuu jalqaban" jedhameera. Haa ta'u malee, Ba'u. 6:3 sabni kakuu jalqabaa (paatriyaarkootaatti beekuu isaanii ni argisiisa. Maqaan YHWH yeroo tokko qofaa Ba'u. 3:13-16 keessattuu w.14 keessatti ibsame. Haa ta'u malee barreeffamoonni Muusee yeruma hundaa jechoota akka seensa jechootaatti otuu hin ta'iin, taphoota jechaa beekamoodhaan ni hiiku (cf. Uma. 17:5; 27:36; 29:13-35). Ti'ooriiwwan danuun

   Akka hiika maqaa kanaatti ni ta'u jedhamanii yaadamaa turan ni jiru (IDB, vol. 2, ff. 409-11 irraa fudhatame).

   a. Hidda Arabi tokko irraa "jaalala itti fufeenya qabu argisiisuu"
   b. Hidda Arabi tokko irraa "qilleensa'uu" YHWH akka Waaqa hobomboleessaa)
   c. Hidda Ugartic (Kana'aan) irraa "dubbachuu"
   d. Barreeffama dhagaa/sibiila irraa bocamee argame Phoenician tokko hordofuu, hiikni CAUSALTIVE PARTICIPLE "Tokkicha Isa jiraatu" ykn "Tokkicha Isa hundeessu" ta'e
   e. Gosa Qal Ibraayisxii irraa "Tokkicha Isa ta'e" ykn "Tokkicha Isa amma ta'e" (miira egeriitiin, "Tokkicha Isa ta'u"
   f. Gosa Ibraayisxii Hiphil irraa "Tokkicha isa ta'uuf sababa ta'u"
   g. Hidda Ibraayisxii irraa "jiraachuu" (fak. Uma. 3:20), jechuunis "jiraaaa bara baraa, Tokkciha bara baraaf jiraatu"
   h. Qabiyyee dubbisaa Ba'u 3:13-16 irraa tapha gosa IMPERFECT irraa bifa PERFECTtiin faayidaarra oole, "Wantan ture ta'uuf itti fufuun qaba" ykn "Ani wantan yeruma hunda ture ta'uuf itti fufuun qaba" (cf. J. Wash Watts, A Survey of Syntax in the Old Testament, f. 67). Maqaa guutuun YHWH yerumsa hundaa akaakuu isa sirriitiin ta'uu danda'a ibsame.
      (1) Yah (fak. Hallelu – yah, BDB 219, cf. Ba'u. 15:2; 17:16; Far. 89:9; 104:35)
      (2) Yahu ("Yaas" dhuma maqootaa, fakk. Isaayyaas)
      (3) Yo ("Jo" jalqaba maqootaa fkn Josua, kn Joel)

3. Amantii Yihudii booddee keessatti maqaan kakuu kun baay'ee quqlulluu (tetragrammaton) isa warri Yihudootaa dubbachuuf isaan abboommii Ba'u. 20:7, Kes. 5:11; 6:13 cabsuuf kajeelanii turaniif qaana'anii turan ni ta'e. Kanaaf isaan jecha Ibraayisxii "abbaa qabeenyaa" "barsiisaa" "abbaa manaa" gooftaa"tiif adon ykn adonai (Gooftaa koo) itti ni jijjiirani Yomuu gara dubbisa isaanii kitaabota Kakuu Moofaa YHWHtti dhufanitti isana "gooftaa" jedhanii waamu. Kanumaafi YHWHn hiikkaa Ingilitirratti LORD kan Afaan Ormootti immoo Waaqayyo jedhamee kan barreeffameef.

4. Akkuma El wajjin YHWHnis dabalataan amaloota Waaqa kakuu Isiraa'eliif tokko tokkoof ixyyeeffannaa kennuudhaaf jechoota biroo wajin waliitti makameera. Akkuma walitti makamuun jechoota danuun jiraachuu danda'an, kunoo tokko tokko.

   a. *YHWH – Yireh* (YHWH ni kenna, BDB 217 & 906, Uma. 22:14
   b. *YHWH – Rophekha* (YHWH fayyisaa keessani, BDB 217 & 950, Ql. PARTICIPLE 1Ba'u 15:26
   c. *YHWH – Nassi* (YHWH faajjii kooti, BDB 217 & 651), Ba'u. 17:15
   d. *YHWH* - Meqaddishkem (YHWH Tokkicha Isa si qulqulleessu BDB 217 & 872, piel PARTICIPLE) Ba'u 31:13
   e. *YHWH – shalom* (YHWH Nagaadha, BDB 217 & 1022), Abo. 6:24
   f. *YHWH – sabbaoth* (YHWH ni keessummeessa, BDB & 878). 1Sam. 1:3,11; 4:4; 15:2; yeroo

baay'ee Raajota keessatti
g. *YHWH – Ro'I* (YHWH tiksee kooti, BDB 217 & 944, Qal PARTICIPLS), Far. 23:1
h. *YHWH – sidqenu* (YHWH tolaa keenya, BDB 217 & 841), Er. 23:6
i. *YHWH – shammah* (YHWH jira, BDB 217 & 1027), His. 48:35

## IBROOTA: 9:15-22

**15Kanaafis gidduu galee kakuu haaraaWaaqayyoo fi namoota gidduu kan dhaabu isa; irra-daddarbaa kakuu isa duraa jalatti hojjetan irraa duuni isaan furu erga argamee, kakuun haaraan sun, warribara baraan itti darbanii fudhachuudhaaf waamaman abdii sana akka argataniif in barbaadama. 16Dhaamsi dhaalaa hojii irra ooluun yeroo ga'utti, namichi inni dhaala dhaameef sun akka du'ee beekamuun irra jira. 17Dhaamsi dhaalaa gaafa namichi dhaala kenne sun du'e duwwaa hoji irra oola malee, utuu inni fayyaatti jiruu hoji irra ooluu hin danda'u. 18Kanaaf kakuun inni duraa iyyuu dhiiga malee hojii irra akka oolu hin godhamne. 19Museen Aboommi seerricha tokko tokkoon saba sanatti erga himee booddee , dhiiga re'ootaa fi jibootaa bishaanii wajjin fuudhee, baala hisoophii isa refeensi hiddamaan diimaan itti marameen, macaafichatti, saba sana hundumaattis in facaase. 20Achumanis "kun dhiiga isa kakicha cimsuudhaaf Waaqayyo isiniif abboomee dha" jedhe. 21Akkasumas dhiigicha, godichaa fi qodaa achi keessaa seerri sagadaa itti hojjetamu hundumaatti facaase. 22Dhuguma iyyuu akka seerichaatti wanti hundinuu, dhiigaan in qulleefama jechuun in danda'ama; dhiiga utuu hin dhangalaasin immoo dhiifamuun cubbuu hin jiru.**

**9:15 "Giddu galeessa"** 8:6 irra kan jiru yaadannoo ilaali (12:24, 1Xim. 2:5).

▣ **"Kakuu haaraa"** kun duraan faayidaa irra kan oole 8:8, 13, irratti dha, ta'us garuu 7:22 irratti eerameera. Jechi naasisaan kun tokkoon kitaaba kakuu moofaa qofa irratti (Erm. 31:31-34) fi Hiz. 36:22-38 irratti ibsameera. Lak. 15-18 "kakuu" jechi jedhu labsii dha, hiikawwan lamaa wajjin, sanada seera qabeessa yookaan wali galtee (Ibiroota) fi eyyama isa dhumaa fi kakuu (Girikii fi Laatiini).

▣ **"Kanaaf kakuun gara fuulduraa yeroo jabaatu seera irra kan daddarban kan ta'uuf du'a waan ta'eef , kan waamamaniif dhaala bara baraa jecha abdii akka fudhatan"** Ibirootni wal dorgomii kakuu moofaa fi kakuu haaraa akka ta'e yaadadhaa: Kakuun Musee firdii du'aa ta'eera (Efe. 2:14-16, Qol. 2:14) Waaqayyoof uumamni ol aanaan (mucaa namaa) sababni isaas Uma. 3 booda aboomi Waaqayyoo kabajuu fi raawwachuu waan hin dandeenyeef. Kakuun gara fuulduraa "godhaatti jireenyatti jiraadha" jedha, ta'usa garuu eenyu iyyuu yoo ta'ee ulaagalee isaa guutuu guutuutti kan guuti hin jiru. Kakuu moofaan kan inni kaa'u "lubbuun cubbuu hojjetu ni duuti: jedheeti (2Mot. 14:6, Hiz. 18:4, 20). Deebii Waaqayyoo kan ture cubbuun kan hin jiraanne, ta'uu kan irra jiru kan Isra'eelootaa, gatii hundumaa kan kaffalu, kan yeroo hundumaati (52:13-53:12).

"Kan isatti wamaman" gaaleen jedhu kan inni argisiisu kan Waaqayyo waamicha ka'umsaati, isa akka beekan (3:1, Yoh. 6:44, 65, Rom. 8:28, 30, 9:24). 3:1 irra kan jiru yaadannoo guutuu iaali.

"Dhaalu" kan jedhu yaad-rimeen kan inni wal qabsiisu Lewootni Yaahiwwee wajjin kan isaan qaban walitti dhufeenya adda ta'ee dha. Isaan isaaf dhaala turan innis isaaniif (akka gosota kan biroo lafa osoo hin taane). Amantootni kakuu haaraa amma akka luboota kakuu moofaati (2Phex. 3:5, 9; Mul.1:6). Amantootni dhaala bara baraa qabu, innis Kristosiin kan kennamee fi Waaqayyoon kan eegame (1Phex. 1:3-5).

## Mata-duree addaa: Furuu

I. Kakuu Moofaa:

A. alqabarratti jechoota Ibirootaa lamatu jiru. Yaadi rime kana kana mul'isanis:

1. *Ga'al*, Bu'uurri jecha kanaa gatii kaffaluudhaan "Bilisa Baasuu"jechuudha. Yaad-rimeen jechi Gool jedhuu waan tokko dhuunfaadhaan seenuu; miseensa maatii. Amalli aadaa akkanaa kun mirga meeshaalee, bineensotaa fi lafa (Leew. 25:27) ykn firoottan (Ruut. 4:15; Isaa. 29:22;)deebisanii bituu dha. Amalli Waaqummaa isaa Waaqayyo Isiraa'eliin Gibxii furuu isaa mul'isuuf (Kees. Deeb. 6:6; 15:13; Faar. 74:2; 77:15; Erm. 31:11). Kunis Furii ta'eera jedha. (Iyyo. 19:25; Faar. 19:14; 78:35; Fakk. 23:11; Isaa. 41:14; 43:14; 44:6:24; 47:4; 48:17; 49:26; 54:5:8; 59:20; 60:10; 63:16; Erm. 50:34).
2. *Padah*, (Padah): Hiikni isaas "oolchuu"ykn "furuu"jechuudha.
   a. Furii ilma hangafaa (Ba'uu 13:13; 14; Lakk. 18:15-17)
   b. Furiin foonii faallaa furii hafuuraa ti. Faar. 49:7; 8:15
   c. Waaqayyo Isiraa'eliin cubbuu fi hammeenya isaaniitti isaan ni fura. Faar. 130:7-8

B. Yaadi-rimeen hafuuraa isaa wantoota walqabatoo sadii of keessatti qabata.

1. Rakkina, garbummaa, kisaaraa, hidhaa
   a. Kan qaamaa
   b. Hawwaasummaa
   c. Hafuuraan (Faar. 130:8)
2. Bilisummaaf, gadi-dhiifamuu fi deebi'uuf gatii kaffaluu qaba.
   a. Saba Isiraa'eliif (Keess. Deeb. 7:8)
   b. Nama dhuunfaatiif (Iyyoob 19:25-27;33:28)
3. Inni tokko akka isa gidduu seenuutti ykn gargaartuutti hojjechuu qaba. Akka Gaalitti kun kan ta'u miseensa maatii ykn fira dhihootiin.
4. Yaahiwween yeroo mara kan inni ittiin of ibsu jecha maatiitiin.
   a. Abbaa
   b. Abbaa manaa
   c. Fira dhihoo.

Furiin kan inni mirkanaa'u, bakka- bu'iinsa qaamaa yaahiwweetiin. Gatii ni baasa kanaaf ni furama.

II. **Kakuu Haaraa**

A. Yaad-rimeen yaada waaqarraa ibsuuf jechoonni baay'een hojiirra oolaniiru.

1. *Agoraazoo* (1Qor. 6:20; 7:23; 2Pheex. 2:1; Mul. 5:9; 14:3-4). Jechi kun jecha daldalaa ti. Innis gatii waanta tokko agarsiisu kan calaqqisiisuudha. Nuti namoota jireenya ofii keenya to'achuu hin dandeenye warra dhiigaan bitamanii dha. Nuti kan Kiristoos.
2. *Eksaagoraasoo* (Exagorazo Gal. 3:13; 4:5; Efe. 5:16; Qol. 4:5). jechi hunis jechuma waa'ee daldalaa ibsuudha. Du'a Iyyesuus bakka-bu'iinsa keenya du'eedha. Iyyesuus gocha seeraa (Seera Musee Efe. 2:14-16; Qol. 2:14) irratti kan hundaa'e abaarsa ilmaan namootaa warri cubbamoota ta'an baachuu hin dandeenye baateera. Innis abaarsa keenya baate (Keess. Deeb. 21:23;) hunduma keenyaafis (Maar. 10:45; 2Qor. 5:21) jaalalaa fi furiiIyyesuus ilma waaqayyoo fi araaraa isaa isa guutuutti fudhatamuun ta'eera.
3. *Luo* "Bilisa Baasuu"
   a. *Lutron*, "Gatii baafame" (Maat. 20:28; Maar. 10:45). Jechoonni kun jechoota ciccimoo kaayyoo dhufaatii Isaatii ilaalchisee, fayisaa biyya lafaa ta'uusaa ilaalchisee kan Isaa kan hin ta'in gatii cubbuu baasuudhaaf afaan Iyyesuus keessaa bahaniidha (Yoh. 1:29).
   b. *Lutroo* "Gadi-dhiisuu"
      (1) Isiraa'eloota furuu; Luq. 24:21
      (2) Saba Isaa furuu fi waamuuf ofiisaa kenne Tiit. 2:14
      (3) Bakka- bu'aa cubbuu hin qabne ta'uu; 1Pheex. 1:18-19
   c. Luutiroosiis : "Furuu, Fayisuu ykn Bilisa baasuu"
      (1) Raajii Zakkaariyaas waa'eee Yesuus Luq. 1:68
      (2) Galata Hannaan waa'ee Yesuus Waaqayyoof dhiyeessite Luq. 2:38
      (3) Aarsaa Iyyesuus Isa fooyye-qabeessaa fi isa si'a tokko dhiyaate; Ibir. 9:12

4. Appooliitiroosiis *Apolytrosis*
   a. Deebi'ee dhufuusaatiin furamuu (H. Erg. 3:19-21)
      (1) Luqaas 21:28
      (2) Rom8:23
      (3) Efe 1:14
      (4) Ibrota 9:15
   b. Du'a Kiristoosiin furamuu
      (1) Rom3:24
      (2) I Qorontos 1:30
      (3) Epheson 1:14; 4:30
      (4) Ibrota 9:15
5. *Antilytron* (1Xim. 2:6). Barreeffamni kun akka Tiitoo 2:14 tti barreeffama murteessaadha.

Hiikamuu ykn gadi dhiifamuu du'a bakka bu'iinsaa Iyyesuus Fannoorratti du'e waliin wal qabsiisa. Inni aarsaa isa tokkichaa fi isa fudhatama qabuudha. Hundumaafis kan du'eedha. (Yoh. 1:29; 3:16-17; 4:42; 1Xim. 2:4; 4:10; Tiit. 2:11; 2Pheex. 3:9; 1Yoh. 2:2; 4:14).

B. Yaad-rimeen amala waaqaummaasaatii kaku haaraati kan agarsisu
1. Ilmaan namaa garbummaa cubbuutiin qabameera (Yoh. 8:34; Room. 3:10-18; 6:23)
2. Ilmi namaa garba cubbuu ta'uusaa seera Musee fi (Galaa. 3)lallaba Iyyesuus isa Gaara irratti lallabameen (Maat. 5:7) ibsameera. Gochi namootaa firdii du'aa ta'e (Qol. 2:14)
3. Iyyesuus Ilmi Waaqayyoo inni mudaa hin qabne hoolaa waaqayyoo ta'ee bakka keenya dhufee du'e (Yoh. 1:29; 2Qor. 5:21). Cubbuurraa kan nuti bitamneef akka isaaf hojjennuuf. (Room. 6).
4. Iyyesuusii fi Waaqayyo waa'ee keenyaaf kan hojjetan firoottan dhihoodha. Kunis walitti dhufeenya maatummaa ittifufaa taasisa. (Fira dhihoo jechuun abbaa, abbaa manaa, ijoollee, obboleessa)
5. Furamuun gatii Seexanaaf baafame otuu hin taane karaa araaraa ittiin sagaleen Waaqayyoo fi tolli Waaqayyoo jaalalaa fi guutuummaa kennuu Waaqayyootiin walitti araaramaniidha. Fannifamuu isaatiin nagaan argameera; hammeenyi namootaa dhiifama argateera; fakkeenyummaan Waaqayyoo (tokkummaa jaalalaatiin) namoota irratti hojjechaa jira.
6. Gara fuula duraattis furiin Waaqayyoo ni jiraata. (Room. 8:23; Efe. 1:14; 4:30 ;). Kunis du'aa ka'uu foonii keenyaa fi firummaa qaamaa nuti Waaqayyo waliin qabnu of keessatti qabata. Qaamni keenya inni furame qaama Kiristoos fakkaata (1Qor. 3:2). Inni qaama qaba, garuu qaamni isaa kun bifoota baay'eedhaan mul'ata. Yaada dhokataan (1Qor. 15:12-19; 35-59) irra jiru ibsuun rakkisaadha. Foonni qaama biyya lafummaa qabaachuun isaa beekamaadha. akkuma kana wanti Waaqarraa qaama hafuuraa qabaata. Iyyesuus garuu qaamota lamaanuu qabaata. Yesuus lamaansa qaba!

**9:16-18** kutaa kana hubachuudhaaf karaan lama jiru : (1)Barreessichi ibsa barsiisoota fayyadameera, "kakuu" jecha jedhu, bifa Girikiin "fedha isa dhumaa yookaan kakuu" (Gal. 3:15). Kaayyoon kanaa Kristoos kan hoji irra oolchee kakuu haaraatti dirqamatti du'uun akka jiru mirkaneessuudhaaf, yookaan (2) jechi isaa dhaabbataatti "kakuu" kan jedhuutti dirqamatti hiikamuutu irra jiraata. Ejjennoo kanaaf ibsi gabaabaan M. M. Vinsenti jecha qayyabannaa kakuu haaraa irratti argama:

> "Hima ibsu kan ta'e sadhatawwaan,*diathêkê*" fi kakuu qabachuu irraan kan ka'e, kanatti kan aanaan tilmaama keessa galu (A) jijjirama isa akka tasaa, fi sarara yaaa isaa keessa galuu. Inni kan dhi'aatu wal falmii itti fufeenya qabu gidduu dha, kakuu haaraa isaa seera Musee wajjin yeroo wal dorgomuutti kan wal falleessu (Boqonnaa viii. 6-x. 18). (B)tuqaa jijjiramaa, kan lamaanuu, kan wal fakkeenyaas ta'ee kan faallaa, kan ta'uu kakuun lammanuu kan eebbifamaniif kan itti fufan du'aan ta'uu isaati: kan baratamee fi du'a uumamaa miti, ta'us garu wareegamuu, du'a hamaa dha, dhangala'uu dhiigaa wajjin kan wal qabatuu, akka kallatti isa guddaatti. Du'I akkanaa kun lak. 15 irratti ifatti ka'aameera. *Diathêkê kakicha* kan hir'suu yoo ta'e, kan thanaton du'a, lak. 16 du'a uumamaati kan inni ta'u dhangala'uu dhiigaa malee. (C) haalli

barreefamichaa Ibiroota hin argisiisu, dhaalaa wajjin kan wal qabate. Faallaa isaan, kan *kl'ronomia* yaada- yeroo hundumaa kan wal qabsiisuu yaada Ibirootaa Kanaa'aaniin dhaaluu wajjinni dha, fi dhaala sana akka yaada kakuuti. Kes. Iv. 20-23; 1Sen. Xvi. 15-18; Faru. cv. 8-11 ilaali. (D) LXX irratti barreesitoota deddeebi'ee kan inni ibsuuf *diath'k'* kan kakuu hiika waan hundumaa qaba. Innis yeroo 350 kan ta'u ni ta'a, baay'inaan kakuu bakka bu'uudhaan. (E)Ragga'uu kakichaa, karaa miidhama aarsichaa. Uma. Xv. 10; Faru. 1.5; Erm. xxxiv. 18 irratti mirkaneefameera. (F)hiika sirrii kakuu yoo ta'e, lak. 16, 17 irratti, barreessichi akka ta'utti gaaffatama, dogoggora akkaata barreessuun, lak. 18 ifati ta'I jedhame kan ka'aamee dha, akka agarsiisa seenaati, lak. 16, 17 yaadootni, kanaaf argisiisi isaa tuqaa isaa irraa raawwatee gara dhimma isa adda ta'eetti ni jijjirama. Barreessichi kan inni jedhu, 'eyyamni humna homaa hin qabu du'a eyyamamaa booda, kanaaf kakuun jalqabaa dhiiga warra miidhamaniin kan dhaabbate" (fuula 1144).

▣ **"Kan eebbifame"** 10:20 irratti yaadannoo isaa ilaali.

**9:19 "Dhiiga re'ootaa bishaanii fi rifeensa hoolaa diima hiisophii irraas"** barreessichi kan wali makee fakkataa, lamxoota irratti dhiiga facaasuun qulqullaa'uu, Lew. 14:6-7 irratti, abboomota kurnan keessaa, Siinaa irratti kan qulqullaa'e wajjin, Kes. 24:1-9. Manni qulqullummaa isaa hin ture, boqonnaa 24 irratti (Ba'uu 40). Joseefaas kan inni nutti himu dhiiga facaasuun kan Ba'u 20 seera kutaa waaqefannaa ture.

"Hoolotni" kan jedhu jechi kun barreefama harkaa Girikii durii baay'ee irratti hin argamne (P[46],ℵ[c], K, L) akkasumas hiika sooriyaa fi barreefama girikii, Orojini faayidaa irra kan oole. Hoolootni yeroo hundaa faayidaa irra kan isaan oolan aarsaa cubbuutiif ture, qulqulleessuu kakuutiif osoo hin taane (ammam illee adda kan ta'e ta'uu baatuus, Uma. 15:9). Re'ootni "jecha kurnaaniin" "Toora" qulqulleesuu irratti hirkateera, Bau. 24:1-8 irratti. Ta'uu kan danda'u "re'ootni guyyaa haroomsaatti waabi biraadha, Lewoota 16, achittis re'oota seerata waaqefannaaf kutaa isaa olaanaa kan ta'aaniif.

Akka yaadawwaan ammayyaatti rakkisaa dha, HoE. 7 (lalaba Isxifaanoof) fi barreessaa Ibirootaa (Boqonnaa 9 ibsa mana qulqullummaa isa duri) dogogorra jedhee falmuuf. Waan hin beekamne baay'eetu jira, waa'ee seera waaqefannaa durii ofii isaanii fi kan jijjirani aadaa barsisootaatti, isaan wajjin kan wal qabsiisan.

**9:20** kun Bau. 24:8 kan eeruu dha.

**9:22 "Hundumaa erga dubbatee boodee"** wantootni tokko tokko dhiiga malee ni qulqulla'uu ture, seera kakuu moofaatti: (Lew. 5:11), (2) Lak. 16:46, (3) Lak. 31:22-23, (4)Bau. 19:10, 32:30-32, Lew. 15:5, 16:26, 28, 22:6 (5)Faru. 51. Yaadannoo gadii jiru ilaali.

▣ **"Dhiiga osoo hin dhangalaasiin seeratni hin jiru"** kakuu moofaatti qulqullessuun kan inni barbaachiisuuf (1)Abidda, (2)Bishaan, yookaan (3) dhiiga. Barreessan kun cubbuu hadheessee fudhateera. Jireenya yakkameef dhiifama barbaachisa. (Lew. 17:11, 14). Seera waaqefannaa kakuu moofaatti (Lew. 1-7) jijjirama du'a Kristoos sadarkaa hubanuun kaa'eera (Mat. 26:28, Mar. 10:45, 1Qor. 11:25, 2Qoro. 5:21).

Kakuu moofaatti karaa baay'eetu ture, wantootni/namootni kan isaan ittin qullaa'an, dhiiga malee kan biraa.

1. Abiddaan (Lew. 13:52, 55, 16:27, Lak. 31:23)
2. Bishaan (Bau. 19:30, Lew. 15:5, 16:26, 28, 22:6, Lak. 31:24)
3. Midhaan kennaa qulqulluu (Lew. 5:11-13)
4. Ixaana (Lak. 16:46-48)

5. Kadhata (Bau. 32:30-32)
6. Kadhata qalbi jijjiranaa fi qulqullaa'uu (Faru. 32 fi 51)

## IBROOTA:9:23-28

**23Egaa wanti isa waaqa irraatti garagalfman kun isaan kanaan qulleefamuun in ta'aaf, warri waan dhugaa ta'anii waaqa irra jiran garuu ofii isaaniitii aarsaa isaan kana irra caalaniin qulleeffamu isaan barbaachisa. 24Kristos iddoo isa hundumaa irra caalaa qulqulluu, harkaan ijaarame fakkaattii isa dhugaa sanatti galemiti, inni banti waaqatti iddoo itti amma Waaqayyo duratti nuuf mul'atuutti gale. 25Achitti galuun isaas akka angafa luboota dhiiga ofi isaatikan hin ta'in baatee, waggaa waggaatti iddoo isa hundumaaa irra caalaa qulqulluu sanatti galu, deddeebi'ee ofii isaa aarsaa dhi'eessuudhaaf miti. 26Utuu akkas ta'uudhaa baat, inni uumamuu biyya lafaatii jalqabee irra deddeebi'ee dhiiphachuun isa ira in ga'a ture; amma garuu dhuma barichaatti, yeroo hundumaaaf akka ta'utti altokkicha ofii isaa aarssaa dhi'eessuu isaatiin cubbuu balleessuudhaaf mul'ateera. 27Namoonni al tokko du'uuf kaa'amaniiru; isa booddee immoo firdiitti in dhi'aatu. 28 Akkasumas Kristoos inni cubbuu namootaa baay'ee baachuudhaaf al tokko aarsaa ta'ee dhi'eeffame, si'a lammaaffaa immoo waa'ee cubbuuf utuu hin ta'in, warra dhimmanii dhufa isaa eegatan fayyisuudhaaf mul'achuuf jira.**

**9:23 "Egaa sami irra kan jiran wanti fakkaatu kanaan yeroo qulqulla'uu malee"** wantootni samii irra jiran mucaa namaatti sababa cubbuu biyya lafaatiin yaad-rimeen balleessuu isaanii kan hin baratamnee dha, barreessaan kanaa garuu kan adda ta'e miti (Rom. 8:18-22). Guyyaa haroomsaa, irra deddeebiin boqonnaa kana irratti eerameera, kan waggaa haroomsa mana qulqullummaa of kessaatti qabachuun, badiisa guyyaa ayyaannaa (Bau. 30:10,Lew. 16:11-20). Samiin baduu kan inni danda'eef

1. Kufaatti mucaa namaan (Rom. 8:18-22, Qol. 1:20)
2. Argamuu seexanaatiin (Iyo. 1-2, Zak. 3)
3. Yaad-rimeen aadaa barsiisoota irra jiru

**9:24 "Fuula Waaqayyoo dura waa'ee keenyaaf amma akka mul'atuutti"** raawwiin lubummaa Yesus sadarkawwan lamaan deema ture: (1)Lafa irratti akka ta'u aarsaan (2) akka lubaatti sami irra. Gaalee kana hubachuun kan danda'amu karaawwan lamaan: akka haala barreefamichaati mucaan namaa kufeef jedhe aarsaa du'aa yeroo ta'u, ta'us garuu immoo isaan itti fufeenya kan qabu tajaajila kadhannaa akka waabiitti fudhachuu danda'a (7:25, Rom. 8:34, 1Yoh. 2:1).

"Ta'uu" jechi jedhu *emphanizÔ* hiiki isaas "mul'achuu" (Mat. 27:53). Lak. 26 irratti "mul'achuu" jechi jedhu *phanero*Ô (2Qor. 5:10, Qol. 3:4, 1Phex. 5:4, 1Yoh. 2:28, 3:2) faayida irra oolera akkasumas lak. 28 irratti "ta'uu" jechi jedhu optomai (Mat. 17:3, Luq. 1:11, 9:31, 22:43, 24:34, HoE. 2:3, 7:2, 30, 35, 9:17, 16:9, 26:16). Barreessan jecha wal fakkaataa sadii fayyadamuun nama ajaa'ibsiisa.

**9:25** kun kitaaba Ibirootaati itti fufiinsa kan qabu cimsa barumsa hafuuraa, Yesus mataa isaa "yeroo tokko" kan kennameef (7:27, 9:11, 25-28, 10:10) wal qabatees luboonni, aarsaa isaa, fi mana qulqullummaa kakuu moofaa sadhatawaa isaanii ni caaluu.

**9:26**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"kana ta'uu yoo baatee yeroo hundaaa rakkina fudhachuun kan irra jiru"** |
| **NKJV** | **"achi irraas yeroo hundaa rakkina kan fudhatan"** |
| **NRSV** | **"isa boodaas dabalataan rakkina kan ffudhatan"** |
| **TEV** | **"isa booda yeroo baay'eef rakkina kan fudhatan"** |
| **NJB** | **"yookaan debi'aanni deddeebi'anii rakkina kan fudhatan"** |

Kakuu haaraatti fakkiwwan jechaa irratti A. T. Robertsan kan inni mirkaneessuu yaadamu kan qabu ramaddii lammaffaa hima haalaati (jildi V fuula 404), innis hima dogogoraa kan ta'e bu'aa guduunfaa dogoggoraa. Yesus yeroo tokko qofaa dha rakkina kan inni fudhate, akka aarsaa dhaabbataa osoo hin taane.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"raawwata biyya lafaati"** |
| **NKJV** | **"raawwata barichaa"** |
| **NRSV** | **"raawwata baraati"** |
| **TEV** | **"amma dhumi biyya lafaa hunduu akka dhi'aate"** |
| **NJB** | **"dhumma raawwata barichaa irratti"** |

Jechii Girikii baay'een jiru, "yeroo," "bara baraan," fi "bara," wajjin kan walitti dhufan. Boqonnaa 9 irratti yeroo sadii waabiin yeroo faayidaa irra ooleera:

1. 9:9, "kan yeroo ammaa," jechuun, kakuu moofaa (jalqaba bara haaraati,
2. 9:10, "yeroo haara'uu, " jechuun, kakuu haaraa (jalqaba bara haaraa)
3. 9:26, "raawwata baraa," jechuun, bara haaraa tolaa (bara haaraa gonfachuu, Mat. 13:39, 40, 49, 24:3, 28:20)

Barsisoonni fi barreessitootni kakuu haaraa baroota lama ilaalaniiru (mirree dalgaa) : (1)bara hamaa isa hammaa, hammeenya mucaa namaatii fi bifa abaarsa Waaqayyo kan qabuu fi (2)bara dhufuuf jiru, Masihiin kan eebbifamu, guyyaa qajeelinaa.

Kakuu moofaan kan inni irratti xiyyaafatuu simbo qabeessa, humnaan kan ta'ee dhufaatti Masihii irratti dha, akka murteessaa fi bitaati, ta'us garu kakuu haaraan akka mul'iseetti , yeroo lama dhufa, yeroo tokkoo akka tajaajila rakkina fudhatuutti, hoolaa Waaqayyoo, boodaas, kakuu moofaatti akka raajamee abba oolmaa. Isaan lammaan dhufaatiin addaa kun bara Yihudootaa lama wal irra ooluu akka uuman sababa ta'eera. Mootummaan Waaqayyoo dhalachuu Yesusin dhufeera ta'us garuu hanga abbaa simboo lammaffaa dhufaatti isaatitti hin qindoofne. Kanaaf amantootni lammii bittaa lamaati: mootummaa bara baraatii fi mootummaa yeroo.

**9:27** lakkoofsi kun dhugumatti yaada isaa hin fudhatu, kan lubbuu yeroo lammaffaaf qaama biraa seenu, kan *kharma* geengoo, yookaan jireenya duraanii, innis doktiriini sodaachiisa dha, kan kufeef, nama cubbamaadhaaf! Inni ilaalcha addunyaati kiristaanaaf, "jireenya tokko, achi irraas firdii" kunis abba wangeelaaf hatatamaan abidda kan qabsiisu, innis barumsa hafuuraa waan hundumaa yaad-rimee balleessu dha (namootni hunduu gara dhumaatti ni fayyu), innis ergama isa guddaa kan gaaffatuu dha (Mat. 28:19-20) gara yaada gaariitti yookaan guddaa kan hin jijjiramne!

**9:28 "Cubbuu namoota baay'ee baachuudhaaf"** kun Isa. 53:12 (1Phex. 2:24) waabii ta'u danda'a. "Baay'ee" jechi jedhu kan of keessatti qabatu miti (muraasa), ta'us garuu "hundumaa" wajjin wal cinaadha, kan 53:6 (Rom. 5:18, "hundumaa" , 5:19, "baay'ee isaanii").

"Baachuu" jechi jedhu immoo dabalataan Isa. 53:4, 11, 12 kan waabefatu ta'uu danda'a. jechi Ibirootaa hiiki isaa "baachuu" yookaan "fudhachuu" dha (1Phex. 2:24). "Yesus gati isa irra hin jire baasee, nuyi kaffaluun kan nu dadhabsiise gatii nuuf kaffale."

▣ **"Yeroo lammaffaadhaaf isaaniif dhiisa"** kun tarii kan inni argisiisu lammaffata deebi'ee dhufuu Kristoos, ergaa deddeebi'aa kakuu haaraa (Mat. 24:3, 27, 30, 37, 39, 42, 44, 26:64, Mar. 13:20, 14:62, Luq. 21:27, Yoha. 14:3, HoE. 1:11, 1Qor. 1:7, 15:23, Fil. 3:20-21, 1Tas. 2:19, 3:13, 4:15-16, 5:23, 2Tas. 1:7, 10, 2:1, 8, 1Xim. 6:14, 2Xim. 4:1, 8, Tito. 2:13, Ibr. 9:28, Yaq.5:7-8, 1Phex. 1:7, 13, 2Phex. 1:16, 3:4, 12, 1Yoh. 2:28). Mata-duree addaa ilaali: gochamni yeroo Girikii fayyinaaf faayidaa irra oolan, 1:14 irratti.

Ta'us, kan danda'amu, akka haala barreefamichaatti, inni kan argisiisu Kristoos mana qulqullummaa samii irraa dhiisuu isaati, aarsaa ta'uu isa guddaa fi milka'aa booda (kakuu haaraan bakka itti dhaabbatu Mika'eel Maajil, fuula 846, lak. 32 fi 35). Wanti tokko innis luba kakuu moofaa wajjin kan wal fakkaatu, guyyaa haroomsa qulqulluu qulqullootaatti kan ta'e ni jiraata.

▣

**NASB** **"waan isaan fayyisuuf cubbuu malee"**
**NKJV** **"cubbuu irraa adda kan ba'ee, fayyinaaf"**
**NRSV, TEV** **"cubbuu malee kan ta'e, garuu fayyisuudhaaf"**
**NJB** **"kana booda cubbuu malee….. fayyina fiduudhaaf"**

Gaaleen kun kan inni argisiisu Kristoos duraan dursee kan dhufeef rakkina cubbuu mucaa namaa hambisuudhaaf, ta'us garuu dabalataan gara ofi isaatti sasaabuuf ni dhufa (1Tas. 4:13-18) isatti kan amananii fi deebi'uu isaa kan eegatan (Rom. 8:19, 23, 1Qor. 1:7, Fil. 3:20, Tito 2:13).

▣ **"Dheebbuudhaan kan eeggatan"** kun waabii kan biraa dha, guyyaa ayyaanaa haromsaatti, achiti Israa'eloonni angafa lubaa dheebbuudhaan kan isaan eeggatan, qulqulluu qulqullootaa keessaa lubbuudhaan akka ba'u, kunnis fakkeenyummaan isaa, Yaahiwween tajaajila kadhannaa isaa fudhachuu isaati.

## GAAFFILEE MAREE

Qajelfamni qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta'u, sana jechuunis garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaatti hiikuun itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. tokkoon tokkoon keenya ifa nu kennameen adeemuutu nurra jiraata. Hiktoonni jalqabaa si, kitaaba qulqulluu fi hafuura qulqulluu dha. kanas deebiftee kan hiike irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Gaaffileen maree kun kan kennamana kutaa kitaaba kanaa dhimmoota gurguddaa akka ta'utti akka qayyaabatu akka si gargaaruuf. Kana jechuunis akka ta'utti akka xiinxaltu si kakaasuuf malee kana qofaan akka daangooftu miti.

1. Barreesitoonni Ibirootaa maaliif lafa honaa godoo bultii durii (mana qulqullummaa) ibsi?
2. 9:9 maaliif akka barumsa hafuuraatti faayida qabeessa ta'aa?
3. Waaqa irra dhugumatti manni qulqullummaa mul'atu jiraachuu danda'aa kristoos seenee aarsaa kan keessatti dhi'eesse?
4. "kan kakuu" hikootni lamaan, barreessichi lak. 15-18 irratti kan inni itti fayyadamee eenyuu isaan?

# IBIROOTA 10
# HIIKAWWAM HAARAAWA RAMADDIWWAN KEEYATAA

| UBS[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Du'a Kiristoosiitiin cubbuun balleeffameera<br>(9:23-10:18)<br>10:1-4<br>10:5-10<br>10:11-14<br>10:15-18<br>Akeekkachiisaa fi yaadachiisa<br>10:19-25<br>10:26-31<br>10:32-39 | Aarsaan horii ga'aa hin taane<br>10:1-4<br>Duuti Kiristoos feedhii Waaqayyoo raawawate<br>10:5-10<br>Duuti Kiristoos guutuu kan qulqullaa'ee godha<br>10:11-18<br>amantii keessan cimsaa qaba<br>10:19-25<br>tolaan amantiin jiraata<br>10:26-39 | Amala haarsaa Kiristoos<br>(9:11-10:18)<br>10:1-10<br>10:11-18<br>Akeekkachiisaa fi yaadachiisa<br>10:19-25<br>10:26-31<br>10:32-39 | Arsaan Kiristoos cubbuu dhabamsiisa<br>(9:23-10:18)<br>10:1-4<br>10:5-10<br>10:11-14<br>10:15-18<br>Gara Waaqayyootti dhiyaachuu<br>10:19-25<br>10:26-31<br>10:32-39 | Aarsaan inni moofaan ga'aa ta'uu dadhabuu isaa<br>10:1-10<br>arsaa ta'uu Kiristoos ga'aa ta''uu<br>10:11-18<br>Carraa Kiristoos<br>10:19-25<br>Balaa ganuu<br>10:26-31<br>kaayyoo cimanii dhaabbachuu<br>10:32-39 |

**MARSAA DUBBIFAMAA SADAFFAA (fuula vi ilaali kutaa seensaa irratti)**

YAADA BARREESSAA JALQABAA SADARKAA KEEYATAATIIN HORDOFUU

Qajeelmani qayyabannaa hiika yeroo ta'u, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu ofii keeti yeroo hiiktu itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kenameen deddeebi'uutu nurra jira. Hiiktooni jalqabaa si, kitaaba qulqulluu fi hafuura qulqulluudha. Kanaas deebifte hiiktota irratti jechama kan biraan akka hin fudhanne.

Boqonnicha of-irra gadi- taauu tokkoon dubbissi. Yaada-ijoowwan irratti. Yaada-ijoo kee ramaddiiwwan gara olitti tarreefaman hiika shanan wajjin wal bira qabi. Ibsi guutuun keeyaticha irratti argamuu yoo baatees hiiki yaada barreessicha jalqabaa ta'e inni guddaan irratti ni argama. Tokkoon tokkoon keeyataa yaada ijoo tokkoo fi tokko qofa qabateera.

1. Keeyata tokkoffaa
2. Keeyata lammaffaa
3. Keeyata sadaffaa
4. K.K.f…

**QABIYYEE HAALA BARRREEFAMICHAA**

A. Ramaddiin barreefamicaa kan inni jalqabu boqonnaa 8:1 irratti yeroo ta'u hanga 10:18 ti itti fufa.
B. Kanas kan inni eeruu karaallee sadiini dha, innis tajaajilli Yesus tajaajila lubaa Lewwootaa caaluu isaa.
   1. Kan Yesus aarsaa guddaa (dhiiga ofii isaa, 9:12-14)
   2. Kan Yesus yeroo tokkoo fi isa dhumaatiif aarsaa (7:27 iratti yaadannoo guutuu ilaali)
   3. Kan Yesus mana qulqullummaa waaqa irraa, kan lafa irraa osoo hin taane (9:11)
C. *Teleioo* gochamni jedhu Ibiroota irratti irra deddeebiinn faayidaa irra ooleera.

1. 2:10, Yesus rakkina keessatti guutuu ta'e
2. 5:9, Yesus guutuu ta'ee kanaaf burqaa fayyina bara baraa ta'e
3. 7:19, seerri Musee homaa guutuu hin goone
4. 7:28, Yesus guutuu godhe
5. 9:9, seerrata waaqeffannaa Musee kan waaqessan qalbiidhan guutuu isaan godhuu hin dandeenye
6. 10:1, seerratni waaqeffannaa Musee kan waaqeffatan guutuu isaan gochuu hin dandeenye
7. 10:1, aarsaan Yesus amantoota bara baraan guutuu isaan godha
8. 11:40, amantootni kakuu moofaa fi kakuu haaraa wali wajjin guutuu ta'u
9. 12:33, namoota qajeelota hafuurri guutuu isaan godhu

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## IBROOTA 10:1-10

**1Seerichi garuu gaadidduu wanta gaggaarii dhufuuf jiran sanaati malee, bifa dhugaa isa isaan ittiin mul'atan miti; inni karaa aarsaa waggaa waggaadhaan utuu gargara hin citiin dhi'eeffaman sanaa, warra dhi'aatan fiixaan kan ba'an gochuu matumaa hin dandeenye. 2 Warri Waaqayyoof sagadan yeroo hundumaaf akka ta'utti, al tokkocha dhuguma cubbuu isaaniitti utuu qulleeffamaniiru ta'ee, cubbuun isaanii yaada garaa isaaniitti waan hin dhaga'amneef, aarsaa dhi'eessuun in hafa ture miti ree? 3Amma garuu aarsaa waggaa waggaatti dhi'aataniin anmoonni cubbuu isaani in yaadatu. 4Dhiigni koromii fi re'ootaa cubbuu namootaa irraa fuudhuu matumaa hin danda'u. 5Kanaaf Kristoos gara biyya lafaa yemmoo dhufe, "Ati aarsaa kennaas hin jaallane, garuu garuu dhagna abboomamuu anaaf qopheessiteetta. 6Ati kennaa qalma isa gubamutti, aarsaasababii cubbuutiif dhi'aatuttis, hin gammanne; 7kanaaf ani immoo, "Macafa maramu keessatti waa'ee kootiif akkuma caafame jiru, yaa Waaqayyo, kunoo, anijaalala kee raawwachuudhaaf dhufeera' nan jedhe" jedhe dubbate. 8 Utuma isaan kun akka seerichi abboomutti dhi'aatanii iyyuu, kana gararraatti, "Ati aarsaa, kennaas, kennaa qalmaa isa gubamu, aarsaasababii cubbuutiif dhi'atus hin jaallanne, ittis hin gamanne" jechuu isaa argineera. 9Itti dabalees immoo, "Kunoo, ani jaalala kee raawwachuudhaaf dhufeera" jedheera; kanaanis aarsaa isa lammaffaaiddoo buusuudhaaf, isa duraa iddoodhaa fuudhe. 10Akka jaalala Waaqayyo sanatti, dhagni Yesus Kristoos yeroo hundumaaf akka ta'utti al tokkicha aarsaa ta'ee dhi'eeffamuudhaan nuyi Waaqayyoof qulqulleefamneerra.**

**10:1 "Gaadidduu"** seeratni Musee ("seerri" ) fi seeratni waaqefannaa tajaajila angafa lubummaa Yesusiif gaadidduu dha (himtee) gosa waan ta'eef, manni qulqullummaa waaqa irraa, harka namootaan kan hin hojjetamne (8:5, 9:23-28). Kitaabni Jeroom yaada bal'aa qulqulluu ajaa'ibsiisaa qaba:

"Asitti barreesichi 'gaadidduu' hin fayyadamne 8:5 irratti akka godhe, achittis kan Pilatoo kan waaqaa fi lafaa dhiibbaan kan itti godhame, ta'us garuu bifa Phaawuloosiin Yesusn dhufuun kan jiru gaadidduu (Qol. 2:17)… waggaa waggaatti kan godhamuu guyyaa qulqullaa'uu aarsaan cubbuu dhabmsiisuu hin dandeenye, inni akkasumas aarsaa Kristoosiif gaadidduu dha " (fuula 399).

◘ **"Dhufuun kan jiru waan gaarii"** 9:11 irratti kun kan inni argisiisu tajaajila angafa lubummaa Kristosii dha.

◘

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"wantoota bifa dhugaa ta'een osoo hin taane"** |
| **NKJV** | **"wantoota fakkaatti dhugaa ta'een osoo hin taane"** |
| **NRSV** | **"isaan dhugaawwan kana bifa dhugaa ta'een osoo hin taane"** |
| **TEV** | **"wantoota dhugaa guutuu fi agarsiisa amanamaa osoo hin taane"** |

**NJB** **"kan isaanii fakkaatti dhugaa osoo hin taane"**

Jechi Girikii kun *icon* yeroo ta'u, hiiki isaa bu'aa tarreefamee dha, dhugaa wajjin kan wal qabsiisu (2Qor. 4:4, Qol. 1:15). Asitti inni alta'aa godhameera, akka seer-lugaatti "gaadidduu" wajjin wal qabateera.

▣ **"Wal fakkaataa kan ta'ee aarsaa waggaa waggaatti utuu gargar hin kutiin kan dhi'eessan"** Yesus aarsaa bu'a qabeessa tokko dhi'eesseera. Lubooni deddebi'anii deddeebi'aniitti kan isaan dhi'eesan.

▣ **"Guutuu gochuuf"** jechi kun hiiki isaa "gara guutummaatti fiduudha" guutumaatti fiixaan baasuuf." Jechi kun (*teleioo* fi bifooni kan biroon) ergaa dhaabbataa ta'e qabu kitaabicha hundumaati. Mata-dure addaa 7:11 irratti ilaali.

Telos jechi jedhu

1. Hiiki isaa "fiixaan baasuu," galma geessisuu," yookaan "raawwachuu" dha (3:6, 14, 6:11)
2. Ib. 5:14 irrattti telecios faayidaa irra kan oole nama bilchaateef
3. 6:1 irratti teleiotes waamicha bilchinaati
4. Jechoonni isaa faayidaa irra kan oolan tajaajila Melkesedeq wajjin kan wal qabateen, akkasumas mana qulqullummaa waaqa irraa 7:11 fi 9:11 irratti.

▣ **"Kan dhi'aataniif"** kakuu moofaatti kana kan inni argisiisuu gara Yaahiwweetti luboota dhi'aaanii dha, tajaajilaafis ta'e waaqefannaadhaaf. Asitti garuu kakuu haaraa jalatti (Erm. 31:31-34) kan inni argisiisu amantoota hundumaati (Yaq. 4:8) amma isaan walitti dhufeenya dhi'oo Waaqayyoo wajjin kan qaban, karaa Kristoosiin (4:16, 7:19, 25, 10:1, 22).

**10:2**
**NASB, NRSV,**
**NJB** **"akkas osoo hin taane"**
**NKJV** **"achi irraas"**
**TEV** **"akka"**

Kun kan ramaddii lammaffaa hima haalaati, yeroo hundumaas "dhugaa wajjin kan wal faalleesse" jedhame waamama. Dogoggori dhugumatti godhameera tuqaa humna barumsa hafuuraa humnaan fiduuf (4:8, 7:11, 8:4, 7, 10:2, 11:15).

Lakkoofsi 2 hiikamu kan danda'u akka

1. "Eeyyee" deebii jedhuu akka gaaffii eeggatuuti, akka NASB, NRSV, NAB
2. Gaaffii walakaa, akka NKJV, NIV
3. Hima, akka TEV, NJB, REB

▣ **"Dhi'eessu dhiisuun nurra hin ture"** kun argisiisuu kan inni danda'u (lak. 11, 7:28) manni qulqullummaa isaa ammas hoji irra ta'uu isaa, kanaaf, Ibirootaan kan barreefame bara haraara 70 fuuldura dha. Manni qulqullummaa isaa (fi Yerusaaleem) guutuu guutuutti Jeneraala Roomeen (mootii addunyaa) Tiitoo balleessuu isaaniin.

▣ **"Akkas osoo hin taanee, kan isaan waaqessan al tokko qullaa'anii isa booda qalbii isaaniin cubbuu waan hin beeknees"** kun rakkoo seerrata waaqefannaa Museeti: inni cubbuu laphee fi yaadaa qulleessuu hin danda'u (9:9, 14). Kristoosiin kan ta'e kakuu haaraan gara Waaqayyootti dhi'eenya ifa kenne (qalbii qulqulluu)!

**10:3 "Waggaa waggaatti yaadannoo cubbuuf"** kun kan inni eeruu guyyaa haara'uu (Lew. 16), kun xiyyaafannoo boqonnaa 9 yoo ta'es, kan inni argisiisu garuu guutummaa seeraa aarsaaati. Waggaa waggaatti kan godhamu aarsaan mana qulqullummaa isaa fi saba isaa qulqulleessuuf ni barbaachisa ture,

utuu addaan hin kutiin Israa'elootaaf yaadachuuf, cubbuu namaa fi irra daddarbi dhugaa fi irra kan deddeebi'e ta'uun (Galatiya 3).

**10:4 "Kan hin danda'amneedhaa hoo"** kan hin danda'amne jechi jedhu Ibiroota irratti yeroo baay'ee faayidaa irra ooleerra (6:6 irratti kan jiru yaadannoo guutuu ilaali).

1. 6:4 (Girikiin, garuu 6:6 NASB irra deebiin kan caaseefame). Isaaniin qalbi jijjiranaaf haaressuun hin danda'amneehoo
2. 6:18, Waaqayyo sobuu hin danda'uu hoo
3. 10:4, dhiigni beelada cubbuu dhabamsiisuu hin danda'u
4. 11:6, amantii malee Waaqayyoon gammachiisuun hin danda'muu

Barreesitoota Ibirootaaf jechi Girikii "hin danda'amu", "rakkisaa" ta'uu hin danda'u!

**10:5**
**NASB** **"gara lafaa yeroo dhufu, jedhe"**
**NKJV** **"bifa lafaa yeroo dhufeetti, jedhe"**
**NRSV** **"Kristoos gara biyya lafaa yeroo dhufetti, jedhe"**
**TEV** **"Kristoos gara biyya lafaa yeroo dhufe, Waaqayyoof jedhe"**
**NJB** **"innis kan inni jedhe kanaaf, gara lafa yeroo dhufe"**

Kun luqisicha beeksiisa (lak. 5-7) Faru. 40:6-8 innis kan Yaahiwwee aarsaa kakuu moofaa kan hin gammachiifne ta'uu argisiisa, sababni isaa isaan akkaatee jireenyaa amantii irratti kan hirkate waan hin taaneef. Barreessaan keenya Faru. 40:7 fayyadameera, Masihii dhufuu akka waabiiti, innis guutuumatti Waaqayyoon kan gammachiisu.

Luqisichi dabalataan le'ii duraa Kristoos argisiisa (Yoha. 1:1-2, 8:57-58, 2Qor. 8:9, Fil. 2:6-7, 1Yoh. 1:1). Kristoos yeroo hin jireetti jiraatee hin beeku! Kan isaa abbaa wajjin tokkummaa sana irraa argamuu danda'a Yoh. 5:18, 10:30, 14:9, 10:28.

▣ **"Anaaf garuu foon qoheessite"** kun kan eerame Septuwajentii irraa Faru. 40: 6 dha. Barreefamni Masorotikii "gurraa naaf kennite" kan jedhu qaba. Qaamni foonii adda ba'ee ibsamuun, Masihiif kan qophaa'ee immoo faayida irra oola, jaarraa tokkooffaa boodaa irratti le'ii Ginostizimii murasaa dhorkuuf. Yesus dhugumatti nama ture.

**10:6** kakuu moofaatti kan kan fakkaatan dubbiifamni baay'een jiru (1Sam. 15:22, Isa. 1:11-17, Hose. 6:6, Amos. 5:21-27, Mil. 6:6-8). Isaan Waaqayyoo seera aarsaa akka hin fudhanne godhani hiikuun isaan irra hin jiraatu, kunis gocha ayyaana isaa kan ta'e, cubbuu ijoollee namaati fi rakkoo tokkummaa yeroo murtaa'eef kan itti fayyadame. Ta'us garuu eenyummaa kufee faayida ulaagaa fudhatee isaan waaqefannaa fiixaan ba'umsa qabu seerara qaama waaqefannaa godhe, laphee irraa kan ta'ee qalbi jijjirannaa fi amantii caalaa. Waaqayyoo kana booda fiixaan ba'umsaa amantaa fi seera waaqefannaa, akkasumas kan qaama waaqefannaa hin fudhatu, innis laphee fi jireenya amantii kan hin calaqqisiifne (Isa. 1).

**10:7 "Macaafa maramaa irratti akka barreefame"** kun gocha raawwatamee dha, innis kakuu haaraa kan inni argisiisu. Durummaan kakuu moofaan kan barreefameef kutaawwaan maramaa Biraannaatiif. Maramaan galaana du'aa 1947 kan argamaan waraabii Isaayaas irratti faanaa tokko digdamii sagal maramaa Biraanaa irratti.

▣ **"Fedha kee raawwachuuf, yaa Waaq"** fedhi Waaqayyoo kakuu haaraa dha, namoota hundumaaf, du'aa fi du'aa ka'uu Yesuusiin kan hundeefame (Mar. 10:45, 2Qor. 5:21, Ibr. 10:9). Beeladoonni dhi'eessa aarsaatiif yeroo du'an, fillannoo homaa hin qaban turan. Yesus fedha isaan jireenya ofi isaa jiraachise (Yoh. 10:17-18).

**10:8 "Aarsaa"** kun kan tarreefama jecha afuri lak. 8 irratti kan inni fakkaatu gosa hundumaa akkaataa dhi'eessii aarsaa uwwisuudhaaf (Lew. 1-7). "Aarsaa" jechi jedhu hiika isaa akkuma jiruutiin kan fedhaan aarsaa nagaati.

▣ **"Kennaa"** kun kan inni argisiisu fedhiidhaan kan dhi'aatu "kennaa midhaanii" dha.

▣ **"Aarsaa gubamuu"** isaan kun wali galatti fedha irratti, guutuu guuttuutti kan gubatan aarsaa dha.

▣ **"Aarsaa cubbuu"** kun kan biraa ramaddii aarsaa dirqamaati, Lewoota boqonnaa 4-5 irratti kan eerame.

▣ **"(Isaan kun akka seeraatti kan dhi'aatanii dha)"** kaayoon barreessichaa aarsaan Yesus caalmaa akka qabu argisiisuudhaaf, aarsaa Leewwootaa irratti. Aarsaan kakuu moofaa yoo dhi'aatan illee, haala ta'uun irra jiruuf heeraan, isaan hoii Kristoos qofaadha gadidduun kan isaan argisiisan.

**10:9 "Inni"** bakki maqichaa dursee kan dhufu hiiki isaa rakkisaa kan ta'ee dha. Inni abbaa argisiisuu danda'a, kakuu isaa kan eebbisu. Dabalataanis "foon Yesus Kristos" gaaleen jedhu lak. 10 irratti kan jiru, inni abbaa dhimmaa akka hin taane argisiisa. Gochamoonni hundumtuu luqisicha irra kan jiru Faru. 40:6-8 (lak. 5-7) Kristoos akka abbaa dhimmatti isaaniin jedhe.

▣ **"Isa fullduraa"** kun kakuu Musee argisiisa (Qol. 2:14).

▣

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **"dhabamsiisuu"** |
| **NRSV** | **"ambisuu"** |
| **TEV** | **"dhabamsiisu"** |
| **NJB** | **"ambisuu"** |

Kun jecha Girikii cimaa dha "dhabamsiisuu" (*anaireo*). Gaaffichi jecha kana akkamitti hubachuun danda'amaadha, kakuu moofaa wajjin kan wal qabatee? Waaqayyo irraa akka mul'ata ta'eetti inni kan bara baraati (Mat. 5:17-19). Phaawulos yeroo hundumaa kakuu moofaa kan inni eeruu wali galtee amantootaaf. Ta'es, akka sababa fayyinaatti yookaan dhiifama cubbuu sadarkaan dursu isa qofa dha (Gal. 3). Innis raawwatameera, sadarkaa olaanaan, kakuu haaraatti Kristoosiin. Akkaataan haala barreefamichaa dirqamatti murteessun kan irra jiraatu kun yeroo hiikamu tokko "dhabamsifame"(ni raawwate) yookaan "ni balleefame" (ni bade) kan jedhuun.

▣ **"Inni lammaffaan"** kun kakuu haaraa kan argisiisuu dha (Erm.31:31-34, Hiz. 36:22-36) Yesuusiin.

**10:10**

| | |
|---|---|
| **NASB, NKJV** | **"fedha kanaan fooni Yesus Kristos yeroo tokko raawwatee dhi'aachuu isaan qulqulloofneera** |
| **NRSV** | **"kanaanis fedha Waaqayyoon foon Yesus Kristos yeroo tokko raawwate dhi'achuun<br>Qulqulloofneera"** |
| **TEV** | **"Yesus Kristos Waaqayyo kan inni barbaadu sababa godheef, hundi keenya cubbuu<br>Keenya irraa qulqulloofneera, foon ofi isaa raawate yeroo dhi'eesuun"** |
| **NJB** | **"fedhi isaa nuun akka qulqulleessu dha foon Yesus Kristoosiin yeroo tokko dhi'eessuudhaan"** |

"Fedha" kan inni argisiisu fedha Waaqayyooti (Lak. 7, 9 fi NASB, NJB) yookaan fedha Abbaa (NRSV, TEV)? Yesus lak. 5 (lak. 9) irratti hama dubbateeti, egaa qabiyyeen barreefamichaa fedha isaa mul'isa.

▣ **"Qulqulloofneera"** kun hiiki isaa rakkisaa kan ta'e keeyata xumuramee dha. Galmi kiristanummaa saba qajeelaa dha. Kun galma kakuu moofaas ture. Qulqullummaa yookaan qulqulaa'uun bu'uuruma irraa ka'umsa kufaatii fi abaarsaa anbisuu jechuu dha (Uma. 3), fakkeenymmaan Waaqayyoo mucaa namaa irratti kan badee. Kakuu haaraan kana kan inni barbaaduu karaa lama irra ga'eera: (1)labsii seera qabeessaan, qabeyyee kenname (kan argisiisu) fi (2)qulqullummaan waamamuu (xiyyaafataa). Amantootni qajeeloota ta'aniiru qulqullaa'aniiruus deebii amatiin qalbi jijjiranaan, Waaqayyoon aarsaa furuu , Yesusiin. Al tokkoo kan fayyee, iddoo bulti hafuura qulqulluu kan ta'e, seera keessatiin sosochoona, fedhii keessaatiin (laphee haaraa hafuura haaraa) Kristoosiin fakkachuuf (Rom. 8:29, Ga/l. 4:19, Efe. 1:4). Qulqullaa'uun keenya kara lammaanuu dhiibbaa qaba, fuula Waaqayyoo kan ittiin dhaabbannuu fi amala keenya isa haaraa maatiitiin, jireenya guyyaa guyyaa kan jiraanu. Mata-duree addaa 2:11 irratti ilaali.

▣ **"Yeroo tokko raawwatee"** kun ergaa irra deddeebi'ee dha (7:27, 9:12, 28 10:10 yaadannoo guutuu ilaali 7:27 irra kan jiru). Inni caalmaa aarsaa ta'uu Yesuusin argisiisa, aarsaa irra deddeebi'amee kakuu Musee caalaa (Lak. 11-12). Fayyina mucaa namaatiif wanti barbaachiisu hundumtuu kennameera. Nu gochuun kan nurra jiraatu kennaa Waaqayyoo amantiidhaan deebii kennu qofa, kan xumuramee hojii Kristoosiif "kan dhufu hundumtuu" (Rom. 10).

## IBROOTA:10:11-18

**11Lubni guyyaa guyyaan dhaabatee hoji lubummaa isaa in hojjeta; aarsaa isa cubbuu namootaa irraa fuudhuu matumaa hin dandeenye sanas deddeebi'ee in dhi'eessa. 12Kristos garuu al tokkoo aarsaa dhi'eesse, bara baraan gara mirga Waaqayyoo taa'e. 13Achi taaee dinoonni isaa ejjeata miilla isaa hamma godhamaniitti in eeggata. 14Altokkocha aarsaa dhi'eessuudhaan, warri Waaqayyoof qulqulleefaman yeroo hundumaaf akka fiixaan ba'aan godheera. 15Hafuurri qulqulluunis immoo waa'ee kanaa dhugaa nuuf ba'a. 16Inni duraan dursee, "Guyyooni sun yeroo ga'an, kakuu ani isaaniif kakadhu, 'Seera koo garaa isaanii keessa nan kaa'a, yaada isaanii keessattis isa nan caafa isa jedhuu dha' jedha gooftichi" jedhee dhugaa ba'eef.17Itti dabalees, "Waaqayyo, 'Ani cubbuu isaanii, jal'ina isaanis deebi'ee hin yaadadhu' jedheera"jedhe. 18Isaan kanaaf dhiifamuun erga argamee immoo, aarsaan sababi cubbuutiif dhi'aatu in hafa.**

**10:11 "Lubni hundinuu"** barreefamni guddaan Girikii durii "angafa lubaa" kan jedhu qaba. Barreessichi yeroo hundumaa jechoota lamman Yesusiif fayyadama.

▣ **"Ni dhaabata"** lubni waggaa waggaadhaan aarsaa dhi'eessuuf ni dhaabbata, Yesus garuu "taa'eera" (lak. 12), hojiin isaa galma ga'eera!

**10:12 "Waa'ee cubbuutiif aarsaa tokkoo bara baraaf"** Yesus rakkoo cubbuu mucaa namaa dhabamsiiseera. Eenyu illee sbaba "cubbuudhaan" hin badu. Guutuummaa biyyaa lafaa fayyuu dhabuun gufanaan qofaa isaa amanuu dhabuu dha. Waaqayyoo hundumaaf karaa kenneera, hundumaaf yeroo.

Jechi Girikii *dienekes*, kan inni hiikamu "bara baraan" yookaan "kan yeroo hundaa" kan jedhu yeroo ta'u, Ibiroota irratti yeroo sadii ni ta'a (7:3, 10:12, 14). Innis yeroo hundumaa jecha dursuu yookaan gaalee wajjin wal qabata, kan inni walitti dhufus "aarsaa tokko cubbuudhaaf" kan jedhu wajjini dha. Inni kan duukaa bu'uu Faru. 110:1 gar tokkeen miti.

▣ **"Mirga Waaqayyoo taa'ee,"** kun waabii irra deddeebi'aa dha, Faru. 110:1A (1:3, 8:1, 12:2). "Harka mirgaa" fakkiduu namaati, humna mootiin, aboo, bakka olaantummaa. Inni immoo bakka kadhataati (Rom. 8:34, Ibr. 7:25, 1Yoh. 2:1).

Yesus luba dha (Faru. 11 akkasumas mootii dha (Faru. 110:1-3), akka Melkesedeq (boqnnaa 7) fuula keenya dura kan deemee waan nu barbaachsu hunda kan kenne.

**10:13 "Dinootni ejjeta miilla isaa jala hanga ta'aaniiti** kun luqisiikan biraa dha, Faru. 110:1B. lola hafuuraa mo'eera (Qol. 2:15) garuu hin qindoofne.

**10:14** lakkoofsi kun kan inni argisiisu naannoo fayyinaatti falmii guutummaa kitaabichaati. Yesusiif yeroo tokko bara baraaf aarsaa dhaabbataa guutuu godheera (kan gocha xumuramee argisiisu) amantoota (mata-duree addaa 7:11 irratti kan jiru ilaali). Aarsaan isaa guutuu fi gahaa dha gocha furuu isaa raawwachuuf (akka kakuu Musee utuu hin taane, 7:11, 19, 9:9).

Amantootni amantiidhaan deebii isaanii itti fufuuutu isaan irra jiraata, innis kan isaan qulleessu (keeyata gocha xumuramee). Amantii itti fufeenya qabu fayyina nama dhuunfaaf wabii furtuu dha. laphee haaraa fi yaada haaraa (Hiz. 36:22-38) amantootni jireenya gaarii galataan akka jiraatan isaan kakaasa, bilisaafi guutuu kan ta'e, fi fayyummaa waan hundumaaf. Kitaaba kana keessatti waa'ee aarsaa Yesus ga'umsa isaa gaaffiin kam iyyuu hin ka'u, ta'us garuu deebii namootaa irratti gaaffiin jira – kan garee tokkoo ka'umsa amantii fi kan garee isa lammaffaa amantii itti fufeenya qabau.

**10:16-17** kun Erm. 31:33-34 kan eeruu dha, ta'us garuu duraa duuba gaalichaan wal jijjireera. Barreessichi yaada isaa keessaa kan eere fakkaata, sababni isa luqisiin kun barreefama Masoretikii Ibiroota fi Septuwajenti irraa adda ta'uun isaa, bifa wal fakkaataan 8:10-12 akka eerame (ta'I jedhamee kan godhamee jijjirraa hanga hin taaneeti).

**10:18** kun wal falmii amantoota fi og-barruu abdi keenya isa guddaa (fiixee) dha (karaan jalqabaa dhabamsiifameera, 8:13).

## IBROOTA: 10:19-25

**19Egaa yaa obboloota ko! Yesus dhiiga isaa nuuf dhangalaasuu isaatiin gara iddoo isa hundumaa irra caalaa qulqulluutti galuudhaaf ija jabina qabna. 20Inni foon isaatiin karaa haaraa, karaa yeroo hundumaa jiraatu golgaa sana keessaa nuf bane. 21Lubicha guddicha isa manni Waaqayyo itti kenname qabna. 22Kanaafis nuyi warra yaadni garaa isaanii hamminatti qulleefame, dhaqni isaanis bishaan qulqulludhaan dhiqame taane, kottaa garaa dhugaadhaan , amantii guutuudhaanis Waaqayyotti in dhi'aannaa! 23Inni abdi nuuf kenne amanamaadha; kanaafis kottaa abdii keenya beeksisuutti jabaannee in qabamnaa! 24Jaalala argisiisuudhaaf, waan gaarii hojjechudhaafis kottaa tutttuqnee yaada wali in kaafnaa! 25Akka jara tokkotti amala ta'e, nuyi walitti qabamuu keenya hin dhiifnu; guyyaan gooftaa dhi'aachaa akka adeemu in argitu, kanaaf ittuma caalchifnee wal jajjabeessina.**

**10:19**

| | |
|---|---|
| **NASB, NRSV** | **"ija jabummaa waan qabnuuf"** |
| **NKJV** | **"iftoomina waan qabnuuf"** |
| **NJB** | **"nu qabna……. Ofitti amanamummaa guutuu"** |

*Parrhesia* jechi jedhu hiiki isaa "iftoomina" yookaan "bilisummaa dubbachuu" dha (3:6, 4:16, 10:19, 35). Jechi kun kan amantoota fudhachuu haaraa fi miiraa fi Waaqayyoo wajjin walitti dhi'eenya mul'isa. Serri Musee kennuu kan hin dandeenye isa kanaadha (9:9)! Wal amanuun akka amantiitti ciminaan qabamuutu irra jiraata (3:6, 14, 4, 4:14). Wal amanuun kan inni irratti hundaa'uu Kristoosiin kan xumurame hojii aarsaa ti (Efe. 2:8-9), hojii namaatiin osoo hin taane! wal amanuun jireenya gaariidhaan mul'ata (Efe. 2:10).

## Mata duree addaa:Iftoomina (PARRHESIA)

Jechi Girikii kun "hundumtuu" (PAN) fi "haasaa" (RHESIS) wal makaa dha. Bilisummaan haasaa kanaa yookaan iftoominni yeroo hundumaa mormitootaan yookaan warra hin fudhanne giddutti kan qabaanuu iftoomina hiikaa qabata (Yohaa 7:13, 1 Tesoo 2:2).

Barreefama Yohannis irratti yeroo 13 fayyadama irra ooleera (yeroo hundumaa kan inni argisiisuu labsii bakkee irraatti (Yoha 7:4 akkasumas barreefama Phaawulosiin Qolaa 2:15), ta'uus, ala tokko tokko innii akkasumatti kan jedhuu "iftoomina" dha. (Yohaa 10:24, 11:14, 16:25, 29).

Hojii ergamootaa ergamoonnii waa'ee Yesus ergaa inni qabuu kan dubbatan bifa wal fakkaatuun ture (iftoominaan) akkuma Yesus dubbachaa ture, waa'ee abbaatii fi waa'ee karooraa fi abdii (Hoji. Erga 2:29, 4:13, 29, 31, 9:27-28, 13:46, 14:3, 18:26, 19:8, 26:26, 28:31). Phaawulosiis kadhanaan akka isaa godhamuu in gaafata ture (wangeela iftoominaan akka lallabuu (Efe 6:19, 1 Teso 2:2) fi wangeelaatti akka jiraatuu (Fillii 1:20).

Phaawulos Kristoosittii kan jiruu abdii raawwataa iftoominaaf amantii kenneera, wangeela akka labsuuf, bara hamaa ammaa kanaa (2 Qoro 3:11-12). Innis immoo amantii qabaataa, duuka buutuun Yesus akka ta'uutti akka hojjeetaniif (2 Qoro 7:4).

Fuulli jecha dabaltaa kana qaba. Ibiroonnii isa kan fayyaduu bifa adda ta'eeni dha Kristoosiin gara Waaqayyootti dhi'aachuu fi isatti dubbachuu (Ibiroota 3:6, 4:16, 10:19, 35). Amantootni guutuu guutiuutti fudhatama argataniiru abbaa dhaa wajjin fira dhi'oo akka ta'aan karaa ilmaatiin.

Inni Kakuu Haaraa irratti karaa baay'eedhaan fayyadama irra ooleera

1. Amanachuu, iftoomina, yookiin wabii, innis kan wajjin adeemuu
   a. Namoonnii (Hoji.erga 2:29, 4:13, 31, 2 Qoro 3:12, Efe 6:19)
   b. Waaqayyoo (1 Yoha 2:28, 3:21, 4:12, 5:14, Ibiro 3:6, 4:16, 10:19)
2. Iftoominaan dubbachuuf, mulinatti, yookaan karaa nama hin wallalchifneen (Maari 8:32, Yohaa 7:4, 13, 10:24, 11:14, 16:25, Hoji.erg 28:31).
3. Saba duratti dubbachuuf (Yohaa 7:26, 11:54, 18:20)
4. Bifa wal qabataa ta'een (PARRHESIAZOMAI) fayyadama irra kan oolee ifatti lallabuudhaan, haala rakkisaa keessatti (Hoji. Erga 18:26, 19:8, Efe 6:20, 1 Tesso 2:2)

Qabiyyee barreefama kanaatiin innii kan argisiisuu amantii yeroo xumuraati. Amantootni deebi'ee dhufuu Kristoos in sodaataan, amananaa guddaadhaa fi gammachuudhaan kan simatan sababii isaa Kristoositti waan jiraataniif jireenya Kristoosiin fakkaatee waan qabaataniif.

▣ **"Gara iddoo qulqulluutti galuudhaaf"** inni tokkooffaan ergaa furtiuu kitaabichaa gara Waaqayyootti dhi'aachuu dha, jireenyaa fi du'aa Kristoosiin, bakka keenya kan arganne dhiifama ta'uu hubadhaa. Angafni lubaa kakuu moofaa gara iddoo qulqulluu qulqullooftuu godoo bulti waggaa keessatti guyyaa tokko yeroo lama seenu (9:25), guyyaa haroomsaati (Lew. 16). Amma garuu aarsaa Kristoosiin amantootni hunduu itti fufiinsa kan qabu Waaqayyoo wajjin walitti dhi'eenya qabaachuu danda'uu (dhi'aachuudhaaf fakkiduun kan biraan golgichii gubaa gara gadiitti tarsa'uu isaaati, Mat. 27:51, Mar. 15:38).

▣ **"Dhiiga Yesusiin"** kun dhiiga moortuu miti, dhiiga namaati malee. Innis kan Yesus du'aa aarfamuu agarsiisa bakka mucaa namaa isa cubbamaa (HoE. 20:28, Rom. 3:25, 5:9, Efe. 1:7, 2:13, Qol. 1:20, Ib. 9:12, 14, 12:24, 13:12, 1Phex. 1:2, 19, Mul. 1:5, 5:9).

**1:20 "Haaraa"** *prosphatos* jechi jedhu hiiki isa "fooniin kan qalame" dha, kanaf asitti qofa dha kakuu haaraa irratti faayidaa irra kan oole.

▣ **"Karaa isa jiraataa"** kun du'aa ka'uu kan mirkaneessuu dha. Qalamee ture, amma garuu jireenyatti jira (Mul. 5:6) baraa amma bara baraatti!

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"kan nu eebbisseen"** |
| **NKJV** | **"nuuf kan eebbifameen"** |
| **NRSV, TEV** | **"inni nuuf bane"** |
| **NJB** | **"nuuf kan banameen"** |

Kun kan gocha yeroo ammaa argisiisuu dha. "Karaa haaraa fi jiraataa" kan fiixaan ba'ee, kan seenaa, dhugaa hafuuraati.

Hundeen jecha Ingilliffaa Girikii Walteer Baayiriin, Arendetiin, fi Daankeer hiikoota foyyaa'oo adda addaa lama tarreeseera, jecha kanaaf haala barreefamaa kanaan .

1. Karaa isaa banuu (10:20)
2. Eebbisuu yookaan banuu seera waaqefannaa kabajame (9:18) fuula 215).

Haali barreefamicha anatti kan inni argisiisu ta'iiwwan lamaan kana gidduutti walitti dhufeenyi dhi'oo ta'ee jiraachuu isaati, asitti darbee darbee jechii kakuu haara. Irra deebinis wal dorgomsiisni kakichaa ilaalcha irra jira, Yesus dhiiga isaan karaa baay'ee fooyya'aa ta'ee baneera, gara Waaqayyootti kan ittin dhi'aatanii fi tokkummaa cimsuudhaaf.

▣ **"Karaa golgichaatiin"** kun kan inni wal qabatu mana qulqullummaa golgaa keessaa wajjin, bakka qulqulluu fi qulqulluu qulqullootaa giduu (Mat. 27:51). Asitti golgichi "foon" Yesusi dha. Egaa kun kan inni argisiisu foon Yesus cubbuu keenyaaf cabuu isaati, jedhes gara Waaqayyootti dhi'aachuu nuuf kenne (Isa. 52:13-53, 12). Barreessan Ibirootaa kan mana qulqullumichaa (bakka qulqulluu) kutaa alaanii kan inni argisiisu, bittaa foonii akka bakka bu'uutti, akkasumas mani qulqullummaa keessaa (qulqulluu qulqullootaa" bittaa hafuuraa. Sababa kanaaf mani qulqullummaa waaqa irraa akkina mana qulqullummaa lafa irraa wajjin wal faallessa (6:19).

**10:21 "Luba guddaa"** mata-duree addaailaali: Yesus akka angafa lubaati 2:17 irratti.

▣ **"Mana Waaqayyoo"** kun kan inni argisiisu kakuu moofaa dha (3:5) fi kakuu haaraa (3:6, 1Xim.1:15, 1Phex. 4:17) amantoota (Efe. 2:11-3:13). Museen tajaajilaa mana Waaqayyoo akka ture, Yesusis angafa lubaa fi mucaa ture!

**10:22 "Akka dhi'aatu"** kun kan ammaa giddu galeessa (mirkaneessaa) haala ibsuu dha. Ija-jabummaa amantootaa kan hundeefamee hojii Yesuusiin xumurame irratti dha, ta'us garuu faayidaan isaa fi carraan sirritti hammatamuutu iirra jiraata! "Dhi'aachuu" waaqefachiiftootaaf faayidaa irra kan inni oolu Waaqayyoon dhi'eessuudhaaf. Tartiibaa guddina isaa hubadhaa:

1. Laphee qajeelaadhaan haa dhi'annu (lak. 22)
2. Dhuga-baatii abdii keenyaa jabeessinee haa qabannu (lak. 23)
3. Akka daddamaqnuuf wali wali keenya haa ilaalu (lak. 24)

Kakuu haaraan (Erm. 31:31-34) laphee haaraa fi hafuura haaraadha, jaalala keessaa fi seera alaa, kennaa bilisaa Kristoosiin hoji raawwatame, inni garu ulaagalee qaba, ijaawwan eegaman, bu'aawwan eegaman! Ija-jabummaan fayyinaa jireenya gaarii burqisiisa! Innis durummaan labsii amantii jajjabina miti, yookaan barumsa hafuuraa qabatamu, garuu Kristoosiin fakkaachuu malee (cubbuu kan hin qabne osoo hin taane) hundumaaf ifatti kan mul'atu akka ta'u!

"Dhi'aachuuf" tarreefama ulaagaalee isaa itti yaada.

1. Laphee qulqulluudhaan
2. Guutummaatti waabdii amantii
3. Lapheen keenya qulqulluu akka ta'u nutty faca'ee, qalbii hamaa irraa
4. Qaama keenya bishaan qulqulluun miicanne

▣ **"Laphee qajeelaa"** gar tokkotti goruun ta'uu qabu kakuu amantii haaraatiif furtuu dha (bifa sirriin, Hiz. 36:22-36, Alta'aan, Isa. 29:13). Mata duree addaa 3:8 irratti ilaali.

▣ **"Amantiidhaan waabdii guutuu"** waabdii guutuun kan inni wal qabatuu amantii wajjinii dha! waabdiinis kan inni irratti hundaa'uu

1. Jireeny amantii akka odeefannoo jijjiramaa (2Qor. 5:21)
2. Kristoosiin hoji xumurame (Rom. 5:12)
3. Dhuga-baatii hafuura qulqulluu (Rom. 8:16)

Tattaafiin namaa fayyina yookaan waabdii fiduu hin danda'uu. Ta'us, kan jijjiramee fi jijjiramaa kan jiru ragaa jireenya amantiiti, tokkoo dhugaadhaan furamuu isaa. Waaqa qulqulluu akka ta'utti wal arguun bu'aa tajiaajila qulqulluuti.

Waabdiin kitaaba qulqulluu gara cimsa doktiriinitti naannaa'uu raawwatee miti, garu jireenya inni qabu malee! Kristoosiin beekna jechaa ta'us garuu callisuu keenyaan, arguu dhiisuu keenyaan, kan biyya lafaa, of irratti kan xiyyaafate, ija-dhabeessa, bu'a- maleessa, jireenya gaarii hin taane warri jiraatan __ waabdii hin qaban! Mata-duree addaa 3:14 irra ilaali.

▣ **"Qulqullaa'uuf laphee keenyatti facaasame"** kun keeyata gocha raawwatameeti, innis kakuu isaa jalqabaa seera waaqeffannaa eebbaa kan waabeefatu kan ta'e (Bau. 24:8, 1Phex. 1:2). Kan kakuu haaraa dhigaan quullaa'uun baay'ee kan fooya'ee dha cubbuu mucaa namaa kufee miichuudhaaf (9:9, 14).

▣ **"Qalbii hamaa irraa"** kakuu moofaan dhabamsiisuu kan hin dandeenye isa kanaa dha (9:9, 10:2). Ta'us, 1Phex. 3:21 wal-qunamtii wal fakkaataa fida, cuuphaadhaaf sammuu qulqulluu gidduu.

▣ **"Qaama keenya biishaan qulqulluudhaan dhiqanne"** kun kan keeyata gocha yeroo ammaati. Kun kan biraa kan eeruu ta'uu danda'a, guyyaa haroomsaatti angafni lubaa gochawwaan inni raawwatu keessaa, wal fakkeenyi seena kakuu moofaa wajjin, itti facaasuudhaan qulqulleessuu (8:6, 16:4, Bau. 29:4, 30:17-21, Lak. 19:7-8). Kun kan cuuphaa <u>Kristaanaa hin ilaalatu</u>.

Kun kan biraa waabii kakuu haaraati dhiqannaa guyyaa ayyaanaatti. Inni ifatti kan inni argisiisu seera waaqefannaa fayyadama bishaanii argisiisu kan danda'u (1) du'a, hawaalcha, fi du'aa ka'uu dha (Rom. 6:1-11 fi Qola2:12) fi (2) cubbuu irraa dhiqachuu (HoE. 22:16, 1Qor. 6:11, Efe. 5:26, Tito. 3:5, fi Phex. 3:21). Bishaanichi karaa isaa miti, garuu fakkiiduu dha malee. Gamoowwan waldaa kristaanaa ishee durii waan hin qabneef, namoonni gara fuulduraatti hin dhufan ture, Kristoosiin amannu isaani mul'isuuf, amma waldaa kristaanaa baay'eetti akka godhan. Fuula sabaatti dhugaa ba'uu isaaniif amanuun isaanii cuuphaa isaanii ture. Innis dhiifama cubbuu argachuu isaaniif hafuura qulqulluu fudhachuu isaanii argisiisuuf carraa ture (HoE. 2:38) <u>karaa isaa</u> osoo hin taane.

**10:23 "Akka hin raafamneef dhuga- baatii abdii keenya haa eegannu"** kun kan gocha ammaa ibsuu dha akka xiyyaafataatti faayidaa irra kan oole. Kun ibsa ammaatiif isa lammaffaa dha, innis amanti isa eegatu kan argisiisu (garuu amansiisaa kan hin taane) deebi.

▣ **"Abdii"** KJV "amantii" qaba, garuu gargaarsa barreefamaa harkaa Girikii homaa hin qabu. "Abdii" jechi jedhu yeroo hundumaa kan inni argisiisu ulfaachuu keenyaa dha, dhufaatti isaa lammataan (3:6, 6:11, 18, 7:19, 1Yoh. 3:2).

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"sagalee abdii kan kennee kan amanameedha hoo"** |
| **NKJV** | **"Sagalee abdii kan kenne kan amanameedhaa hoo"** |
| **NRSV** | **"Abdii kan kennee kan amanameedhaa hoo"** |
| **TEV** | **"Waaqayyoon ni amana sagalee isaa haa raawwatuuf"** |
| **NJB** | **"Sagalee abdii kan nu kenne kan amanamee ta'uu isaan"** |

Gochamni qofaan isaa kan giddugaleessa gochichaa (mirkaneessaa) keeyata "abdii kan kenne" kan jedhuu dha. Kun madaallii barumsa hafuuraati sadanuuf "eyyamuu….niif" , lakk. 22-24 keeyatni jiran. Kun fayyina bilisaa sababa gahaa hin qabne (Paradoksi), Waaqayyoon kennameera, godhameera, akkasusmas eegameera, innis kakuu ta'uu qabuu kan deebii namaa fiduutu irra jira! Olaantummaan

Waaqayyoo eyyama bilisaa mucaa namaaf lammanuu dhugaa kitaaba qulqulluuti, kanaaf, dhiibbaa madaalliin qabuutu isaan irra jiraata.

Amanamummaan Waaqayyoo amantootaaf wal amanu cimaadha (11:11). Abdiiwwan Waaqayyoo amansiisoo dha, sagaleen Waaqayyoo dhugaadha!

**10:24 "wal haa ilaallu"** kun keeyata haalaa ammaati. Barreessichi jechoota adda addaa baay'ee fayyadama, ilaalcha keenya wajjin kan wal qabatu, waa'ee dhimoota barumsa hafuuraa.

1. Tilmaama keessa galchuu, katanoeo, 1:1, 10:24 (Luq. 12:24, 27)
2. Ilaaluu, *theore*o, 7:4
3. Xiinxalu *analogizomai*, 12:3
4. Tilmaama keessa galchuu, 13:7

Amantootni karaa amanti isaaniitiin yaaduutu isaan irra jiraata.

1. Maaliif dhugaa akka ta'ee
2. Akkamitti fayyadamuun akka danda'amuu
3. Akkamitti kan biroo gargaaruuf
4. Kaayyoon isa guddaan maalii dha

▣ **"Wali wali keenya akka daddamaqsinu"** kun jecha Girikii cimaadha, yeroo hundumaa hiika alta'aa. Innis yeroo lama qofadha kakuu haaraatti faayidaa irra kan inni oole. Bakki biraan immoo wal falmii Phaawuloosi fi Barbaanaas, HoE. 15:39 irratti. Kun wal almicha calaqqisiisuu danda'a, Yihudii amananii fi hin amannee gidduu, iddoo aarsaatti kan waaqefatan innis gareewwaan bifa fooya'aan kan inni mul'isuu ("nuyi," "Isin," fi "isaan"). Kan Ibiroota 6.

▣ **"Jaalalaa fi hojii gaariidhaaf"** isaan kun kan kiristaanummaa ijawwan dhugaati!

**10:25** lak. 24-25 wantoota sadii tarreessa, amantootni gochuun kan isaan irra jiraatu.

1. Wali wali isaanii daddamaqsuutu isaan irra jiraata, jaalalaa fi hojii gaariidhaaf
2. Bakka tokkootti walitti qabuu (huundee hiika isaa "mana sagadaa warra Yihudii" ta'uu, asitti qofadha faayidaa irra kan inni oole, kakuu haaraatti)
3. Wali wali jajjabeessuu, lammaffaa deebi'uun isaa dhii'aachuu isaan

kun barreefama qofa isaa jiruu dha, kakuu haaraatti, innis amantoota kan jajjabeessu, waaqeffannaadhaaf wali wajjiin akka ta'an. Kun yoomessa seenaa calaqqisiisuu danda'a, Kristaanoota irratti kan labsamee ari'atama Roomee (amantii seera qabeessa hin taanee) yookaan sadhatawwaan fudhatama kan argatee Yihudummaa (amantii seera-qabeessa ta'e). innis guyyoota waaqefannaa adda addaa calaqqisiisa. Baay'ee dursee waldaan kristaanaa Yihudummaa kessatti tatamsaasuu akka jalqabdeen, barsisootni jechuun, Jaaminiyaa irratti Fariisootaan, yeroo haroomsa Yihudiitti naannoo bara haraaraa 90) "kan abaarsaa" kakaa qopheessee ture, tokkoon tokkoon miseensi mana sagadaa yihudii kan gaaffatu, innis Yesus nama Naazireetiin akka Masihii abdiiti fudhachuu dhiisuu kan of keessatti qabatu. Tuqaa kana irratti baay'een isaani amantoootaaf mana sagadaa Yihudii dhiisaanii ba'aaniiru, hojii sanbata raawwatan waliin, ta'us garuu Yihudiitti waaqefannaa isaanii waldaa kiristaanaatti itti fufaniiru. Yaqoob 2:2 "mana sagadaa Yihudii" jechi jedhu kan inni fayyadamu bakka waaqefannaa kiristaanootaa, Ibr. 10:25 akka godhu.

▣ **"Guyyicha"** kun kan inni argisiisu lammaffaa dhufuu isaati. Bu'uura lakkoofsa duuka buutoota isaan, innis dabalataan guyyaa firdii wajjin wal qabata.

## IBROOTA: 10:26-31

**26Nuyi dhugaa hubannee erga beeknee booddee, jaallannee beekaa cubbuu yoo hojjenne, aarsaan sababi cubbuutiif dhi'aatu si'achi hin jiru. 27Firdiini fi abiddii hinaaffaa inni warra Waaqayyoon morman gibu garuu sodaadhaan eeggatamaa jiru. 28Namni sera Musee hojii irra akka hin oolle godhe, dhuga-baatonni lama yookiis sadii erga dhugaa itti ba'anii oo'a malee in ajjeefama. 29Nama ilma Waaqayyootti miilla haxaa'atuuf nama dhiiga kakuu isa ittiin qullaa'e sana waan xuraa'aatti lakkaa'uuf, hafuura ayyaana namaaf kennu isa arrabsuufis, adaba isa irra hammaatu hammamiitu isaaf mala jettanii yaaddu ree? 30Nuyi, "Ijaa baasuun kan koo ti, ani hojii namaa mataa isaa irratti nan deebisa" akkasumas immoo, "ooftichi saba isaa firdiitti in dhi'eessa" isa jedhe sana in beekna. 31Waaqayyo isa jiraataa harka bu'uun guddaa sodaachisaa dha.**

**10:26 "Nuyi garuu"** kun kan baratamee himaa haalaa miti. Guutuummaan bakka jirutti ta'uu danda'a (*hamartanonton hemon)* innis kan hojjetamu akka PROTASIS ti (akka gaaleetti).

Bifa nama ajaa'ibsiisuun barreessichi haala seer-lugaan ofi isaa kan inni ibsuu fedhii isaaniitiin michoota cubbuu hojjetanii dha, kun garuu akkaatee barreefamaa ta'uu danda'a (sirreessuu baay'eedhaaf) akka 2:3 wal fakkaataa. Ramaddiin tokkooffaan akkuma sanaan adda ba'uu hin danda'u, lak. 26-29 michoota isaanitti himamee wajjin. Akkaateen gosa barreefamaa wal fakkaataan, ramaddii tokkooffaa kan fayyadamu 1Qor.13:1-3 ni argama.

▣ **"Gara cubbuu gochuutti"** "gara" duraan kaa'ameera Girikiiti, mirkaneessuuf. Jechichii wal fakkaataa ta'uu danda'a, kakuu moofaa irraa "kan oftuulummaa" cubbuu wajjin (5:2 irra yaadannoo jiru). Bocni seer-lugaa gochamichaa (kan ammaa gocha keeyata Booz warri ilaalaan bakka jraniitti kan dhiiraa ramaddii tokkoofaa kan baay'ee) tokko tokkoo irratti faayidaa irra ooleera, kun kan inni argisiisu cubbuu isaaniitiin amantoota itti fufan eeruudhaaf yaada kennuu. Isaan cubbuu hojjechuu yoo dhaaban firdicha anbisuu danda'u. Ta'us, boqonnaan kun 6 fi 10:26-29 irra kan jiruu yaada hamaa irraa akka haala barreefamaa wajjin wal hin simu. Kun kan jireenyaa fi du'aa of-eegachuu dha, yeroo tokko kan ba'ee yeroo hundaa ba'eera of-eegachiisa! Yesusiin fudhachuu dhiisuu, mul'ata ifaa ta'ee fuulduratti, baay'ee dukkanaa'aa kan ta'ee kan hafuuraa halkan fiduu danda'a.

▣ **"Beekumsa dhugaa erga fudhannee booda"** gochamni Ingilliffaa "fudhachuu" kan gocha ammaa kan hin murtoofnee dha. Rakkoon hiikaa kun tuqaa isa guddaa dha. Isaan guutummaa beekumsa hojiin argisiisuu fudhatanii yoo ta'e (*epignosko*) kan (keeyata murtaa'ee) dhugaa, kun sagaleen isaa akka amantootaatti! Kun dhimma barumsa hafuuraa wal fakkaataa dha akka 6:4-6.

Fudhachuun kan irra jiru salphaa, ifaa, hiika ifatti taa'ee jiraachuu dhiisuu isaati. Sodaan koo dhuunfaatti, jechuun ofi koo dursa dhaabbii barreefama ifaa barbaachiisaa irratti dhiibbaa akka geesisu dha. Isin dhaabbachuutu isin irra jiraata, akkaatee isaa, ajandaa kutaa amantaa, innis kana cimaa, barreefama yaada hafuuraan liqimfame cal kan jechisiisu. Dhimmi isaa amantoota cubbuu hojjetan miti. Dhimmi isaa amantoota amantii dhaabbanii dha! Barumsa hafuuraa isaa fudhachuu hin dandeenye (1)Fayyina hojii namaatiif kan itti hirkatu kan godhuu yookaan (2) waabdii gara aboo labsii anatu beekaa jechuutti kan jijjiruu, innis jireenya kristaanaa wajjin guutuu guutuutti kan walitti hin dhufne. Ani kan balleessuu, fayyissuu, balleessuu, fayyisuu, balleessuu fayyisuu barumsa hafuuraa hin fudhanne! Dabalatanis ani "al tokko kan fayyee, yeroo hundaa fayyee" kan jedhu barumsa hafuuraa hin fudhadhu, innis itti fufiinsa kan qabu amantii fi akkaatee jireenyaa amantii wajjiin kan walitti hin dhufne. Kanaaf, maal godhuu? Barreefamicha nan hiika: yoommessa seenaa isaan, haala qabiyyee barreefamaa isaan, ibsa seer-lugaa isaan, jechaa akkaata filachuun, sharbee isaan, fi dubbifamoota wal cinaan. Fudhachuun kan narra jiraatu, kanan godhe hundumaa 6:4-6 irratti fi 10:26-29 irratti, fillanoo xiqqoo qabaata ta'us garuu ayyaana isaa irraa fagaatanii amantoota kufan. Ta'us,

1. Seenaa yoomessaa isaa, kan kitaabichaa Yihudummaa, fi ari'atamaan jiraachuu dhimmoota gurguddoo dha
2. Haali qabiyyee barreefamichaa (5:11-6-6:12) fi gareewwan sadan ("nuyi", "isin", fi isaa") yoomessaa Yihudii kan ibsan fakkaatu "kan "Yihudii amanaa" fi Yihudii hin amanne" yoomessa mana sagadaa Yihudiitti kan waaqefatanii fi tokkummaa kan godhan
3. Fayyadama baay'ee luqisii kakuu moofaa, mana qulqullummaa wajjin kan wal qabate, jecha mana sagadaa Yihudii jedhuu akkaata fayyadamaa (10:25), fi waamicha wali galaa amantii, hundmtuu kan isaan argisiisan kakuu moofaa wajjin walitti dhi'oo kan jiru dubbisaa dha

Kanaaf, barreefamichi erga hiikamee booda, ani akkan yaaduutti kan fooyya'ee ibsi wali gala (rakkinootaa fi tilmaamootaan ala osoo hin taane) kan yaadamuu kan seenaa ijaarsa irra deebiiniiti R.E. Gileez, Jr. fayyinni salphaan hin jiru, maxansaa Insaayitiin kan maxanfame, 1966.

Kitaabni Ibirootaa kitaaba adda ta'e fakkaata, garee filameen. Sana jechuun bara har'aatiif ergaa homaa hin qabuu jechuu dhaa? Barreessaan yaada hafuuraan liqimfame asii of-eegachiisooni (Yaaqob, Pheexiroos, fi Yohaannis 1 fi2 barreessaa wajjin) amantootni ni daddamaqu, waldorgomii fiigichaa akka itti fufan (F. F. Birus, deebiwwan gaaffiiwwaniif, fuula 124-125 ilaali)! Deebiin isaa salphaatti amantaaf, yookaan seera sodaa irraa made irratti hin buufatu, ta'us garuu jireenya amantii gaarii irratti malee, gara qulqulluumaatti caraquun, guutummaatti kan xumuramee, fi fayyina  raawwataa irratti amala galataa horachuudhaan malee (10:14)karaa Kristoosiin amantiidhaan.

**10:27 "Firdii"** barreessichi dabalee daddabalee ni mirkaneessa, amantootni Kristoos irratti kan isaan qaban abdii ajaa'ibsiisaa, ta'us garuu alta'aan isaa akka dhiibbatti, firdiin dhufaa jira, kanaaf hundumtuu fuula Waaqayyoo isa qulqulluu fuuldura ni dhaabatu (9:27, Gal. 6:7).

▣ **"Mormiitoota nyaachuuf kan jiru jabiddaa cimaa"** kun Isa. 26:11 kan eeruu dha. Abiddi yeroo hundumaa kan inni wal qabatu qulqullummaa yookaan qulqullaa'uu wajjini dha.  Waaqayyoo le'ii namuusaati, uumamni isaas namuusa dhugaati. Namoonni seera isaa cabsuu hin danda'aan, seera wali isaanii cabsu amlee.

## MATA-DUREE ADDAA: ABIDDA

Caaffata qulqullaa'aa keessatti abiddi lachanuu hiikaa alta'aa fi abdachiisaa /bu'a qabeessa/ ta'aa (positive) ta'e qaba.

A. Ta'aa (Positive)
   1. Ho'a (Ki. Isa. 44:15, Wang. Yoh. 18:18)
   2. Ifa (Ki. Isa. 50:11, Maat. 25:1-3)
   3. Bilcheessuu (Ki. Se.Ba. 12:8, Isa. 44:15-16, Yoh. 21:9)
   4. Qulqulleessuu (Ki. Se.Lak. 31:22-23, Fak. 17:3, Isa. 1:25, 6:6-8, Erm. 6:29, Milk. 3:2-3)
   5. Qulqullina (Ki. Se.Uum. 15:17, Se.Ba.3:2, 19:18, Hisq. 1:27, Ibr. 12:29)
   6. Geggeessaa Waaqayyoo (Ki. Se.Ba. 13:21, Se.Lak. 14:14, 1Moot. 18:24)
   7. Aangoo Waaqayyoo (Ki. Hoj. Erg. 2:3)
   8. Eegumsa (Ki. Zak. 2:5)
B. Alta'aa (Negative)
   1. Gubuu (Ki. Iyy. 6:24, 8:8, 11:11, Maat. 22:7)
   2. Mancaasuu (Ki. Uum. 19:24, Se.Leew. 10:1-2)
   3. Aarii (Ki. Lakk. 21:28, Isa. 10:16, Zak. 12:6)
   4. Adabbii (Ki. Uum. 38:24, Leew. 20:14, 21:9, Iy. 7:15)
   5. Mallattoo sobaa bara dhumaa (Ki. Mul. 13:13)
C. Aariin Waaqayyo Cubbuutti aaru bakabuusa abiddaan ibsama
   1. Aariinsaa hin boba'e (Ki. Hoos. 8:5, Zef. 3:8)
   2. Inni abidda hin dhangalaasa (Ki. Naah. 1:6)
   3. Abdidda bara baraa (Ki. Erm. 15:14, 17:4)

4. Firdii/Murtoo/ bara dhumaa (Ki. Maat. 3:10, 13:40, Yoh. 15:6, 2pheex. 3:7-10, Mullata/ mul'ata 8:7, 16:8)

D. Akkuma bakka buusota danuu macaafa qulqulluu keessatti argamanii (kan akka raacitii leenca), akkasumas abiddis akka galumsa isaatti eeba ykn abaarsa ta'uu danda'a.

**10:28**
**NASB** **"Seera Musee gara cinaatti kan godhe"**
**NKJV** **"seera Musee kan tufatee"**
**NRSV** **"seera Musee irra kan daddarbe"**
**TEV** **"seera Museef kan hin aboomamne"**
**NJB** **"seera Musee kan callise"**

Kun jecha jabaadha, eyyamanii tufachuun. Yaadannoo ergaa Ibirootaa irratti, Ilingiworz fi Niidaan akkas jedhu:

"Kabajuu dhiisuu jechi jedhu, jecha jabaa dha, cubbuu akka tasaatiif faayidaa irra kan hin oole, ta'us garuu guutummaa kakichaa cabsuu dha (Hiz. 22:26), fakkeenyaaf, waaqa tolfamaa waaqeessuu (Kes. 17:2-7), raajii sobaa (Kes. 18:20), yookaan arabsoo (Lew. 24. 13-16)" (fuula 236).

⊡ **"Lama yookaan sadii yoo ragaa- itti ba'aan ho'a tokko malee ajjeefama…"** kakuu moofaatti firdiin du'aa raga-baatoota lama yeroo hundaa ni barbaada (Kes. 17:6, 19:15). Abboomamuu dhiisuun rakkina qaba!

⊡ **"Akkam baay'ee akka hammaatu"** kun wal falmisiisaa dha, kan isa gad aanaa (kakuu Musee) irra kan caaluu (kakuu Yesus). Ergaan wal dorgomsiisaan kun kan Ibirootaati.

⊡ **"Miila isaan kan irra ejjete"** fakkiin kun hiiki isaa gadi buu'uun qabuu dha (6:6). Kun kan keeyata ammaati, innis keeyata xumurame kan argisiisu, keeyatni itti fufuu akka godhe.

⊡ **"Mucaa Waaqayyoo"**

## Mata duree addaa: Mucaa Waaqayyoo

Kun isa tokkoo kan Kakuu Haarawaamicha Yesuusiti. Inni sirrimatti hiika Waaqummaa qaba. Innis Yesusiin kan ammatu akka "ilma" yookaan "ilma koo" fi Waaqayyoon akka "abbaatti" dha. Inni Kakuu Haaraatti yeroo 124 ta'eera. Kan Yesus kan inni ittiin waamamuu "ilma namaa" hiika Waaqummaa qaba Daani'eel 7:13-14.

Kakuu Moofaan "ilma" kan jedhu kan inni ittiin waamamuu ramaddi wantoota adda addaa afur argisiisa.

A. Ergamoonni (yeroo hundumaa lakkoofsaa baay'ee seera Uumamaa 6:2, Iyoob 1:6, 2:1)
B. Mootiin Israa'el (2 Saamu'el 7:14, Faarfannaa 2:7, 89:26-27)
C. Saba Israa'el walumatti qabaatti (Ba'uu 4:22-23, Keessa deebii 14:1, Hosee 11:1, Milkiyaas 2:10)
D. Abboota firdii Israa'elootaa (Faarfannaa 82:6)

Inni fayyadama lamadha Yesus wajjin kan wal qabatee bifa kanaan "ilma Daawiti" fi "mucaa Waaqqayyoo" lamanuu Saamu'eel isa 2 7, Faarfannaa 2 fi 89 wajjiin adeemu. Kakuu Moofaattu "mucaa Waaqayyo" raawwatee fayyadama irra hin oole, keessumatti Masihii kan ilaalatu akka mootii bira ga'utti innis kan Israa'el "kan dibamee muudama"irraa kan hafe. Ta'us galaana diimaatti maramaan hidda Masihii wajjin kan wal qabatee kan irra deddeebi'amuu dha (adda kan ta'ee Waabii Yesusii fi wangeelootaa Galmee jechoota fuula 170 ilaali). Akkasumas "mucaa Waaqayyoo" hidda dhalootaa Masihiiti. Lamaanu macaafa Qulqulluu kan ta'an deebiin Yihudootaa hojii barreeffamaa (II ISidiraas 7:28, 13:32, 37, 52, 14:9 fi Heenook 105:2).

Kan isaa kan Kakuu HaaraYesuusin akka argisiisuutti ramaddii baay'eedhaan gaarii ta'ee hammateera.

1. Dursa argamuu isaa (Yohanniis 1:1-18)
2. Kan isaa kan adda ta'ee (kan durbaa) dhaloota (Maatihoos 1:23, Luqaas 1:31-35)
3. Cuuphamuu isaa (Maatihos 3:17, Maariqos 1:11, Luqaas 3:22). Olii kan dhufee sagallee Waaqayyoo

Faarfannaa 2 mootii mootootaa Isaayaas 53 rakkina fudhachuu isaa taajajilaa wajjin wal qabachiisa).

4. Kan isaa qorumsa seexannaa isaa (Maatihos 4:1-11, Maariqos 1:4, 13, Luqaas 4:1-13). Inni ilmummaa isaa akka shakkuu qorameera yookiis yoo xinnaatee gocha isaa akka xumurutti bifa gara garaatiin fannoo caalaa).
5. Karaa fudhatama hin argannee dhuga baatoota kan isaaf godhamee mirkaneessu
   a. Ginnii (Maariiqoos 1:23-25, Luqaas 4:31-37, 41, Maariqos 3:11-12, 5:7
   b. Kan in amane (Maatihos 27:43, Maariqos 14:61, Yohannis 19:7
6. Duuka buutuu isaatiin mirkaneessa isaaf godhamee
   a. Maathos 14:33. 16:16
   b. Yohannis 1:34, 49, 6:69, 11:27
7. Kan inni ofiif mirkaneesse
   a. Maatihos 11:25-27,
   b. Yohannis 10:36
8. Waaqayyo akka abbaatti kan itti fayyadamee jecha dhokataa maatii
   a. "Abbaa" jecha abbaadhaaf fayyadamee
      (1) Maariqos 14:36
      (2) Roomee 8:14
      (3) Galaatiya 4:6
   b. Irra deeddebi'uun abbaa (pat'r) jechuun fayyadamuu isaa Waaqummaa wajjin firooma qabaachuu isaa ibsuudhaaf

Guduunfuudhaaf "yaa mucaa Waaqayyoo" kan jedhu taayitaa guddaa hiika xin-waaqummaa qaba, Kakuu Moofaa fi abdii sagallee isaa ramaddii isaa kan beekaan haa ta'uu malee kan Kakuu Haaraa barreesitootni kan isaa abbaadha wajjin kan jiru fayyadama in jeeqa, sababii isaa waaqa tolfamaa waaqessuu seena duuba waan qabaniif "kan waaqa tolfamaa" isaanis dubartoota fudhatanii bu'aa sanyii ta'uu waan fudhataniif, kunnis "namoota adda ta'n" yookaan "Nifilim" waan jedhaniif.

⊡ **"Xiyyafannaan"** kun kan inni jedhu gochawwan ta'I jedhame godhamuu dha, bu'aa filannoo.

⊡ **"Xuraawwaa"** kun kan inni argisiisu waan tokko ayyana kabajaaf xuraawwaa yeroo ta'uu dha, kaayyoo barbaadamuuf gahaa kan hin taane.

⊡ **"Sanas kan ittiin qullaa'ee dhiiga kakuu isa"** asitti gaaffichi kan inni wal qabsiisu gochamicha wajjini dha (raawwii hojii kan argisiisu). Kun kan inni argisiisu jalqabumma irraa kan jiru fudhachuu dhiisuu, kakuu haaraa, yookaan deebi'uu kakuu haaraa? Raawwiin keeyatoota gaalee duraani irratti fi keeyata raawwii gochichaa gaalee itti fufuun kan inni argisiisu jalqabuma irraa fudhachuu dhiisuu isaati.

Hiika kana irra rakkoon jiru, Ibiroota irratti bakka hundaatti "qulqullaa'uu" faayidaa irra kan oole, amantoota argisiisuu isaan (2:11, 9:13, 10:10, 14, 13:12). Anaaf dhimma isaa kan ta'u kakuu eeguu dha. Waaqni guddaan fayyina wajjin kan wal qabatee kakuu fideera. Bilisa dha, hundumaaf, ta'us garu fudhachuun kan irra jiraatu (fedha bilisaa namootaa), deebii miiraatiin miti (Mat. 13:20-22), yookaan waldaa kristaanaa wajjin tokkummaa gochuudhaan(1Yoha. 2:19). Amanuun furtuu dha. kan hin amanne/amantii/itti amanuu (hunduu hiika harkifataa dha *pisteuo*) fayyeera, kanaaf waabdii qabu. Of-eegachiisa lakkuu Ibirootaa (1)kennaa wangeelaa fudhachuu fi (2)isaan deemuu dha. Tokko fudhachuu irraa yoo hir'ate _ firdii, tokko amanuu yoo dhaabe __ firdii!

⊡ **"Ayyaana hafuuraa isaa kan gadisiisa"** inni waa'ee cubbuutiis komata, gara Kristoositti nu geessa, Kristoosiin nu cuupha akkasumas akka amantootaa kristoosiin keessa keenyatti kaasa (Yoha. 16:8-11). Hafuurri qulqulluun ni arabfama yookaan ni gadisiiama amantootni kadhata isaa fi ceephoo isaa yeroo hin fudhannetti. Tokko tokkoo kan kitaaba kanaa fudhatootni Kristoosiin hin fudhanne turan, ifa kan ta'e mul'atni mana sagadaa Yihuudii miseensati mul'ataa kan jiru (seensa irratti fudhatoota ilaali).

**10:30 “Ijaa’ ba’uu”** kun septuwajentii irraa Kes. 32:35 A kan eeramee dha. Kun dheekamsa miti, ta’us garuu haqa dha, kan keessatti hamataman hundaaf kan gurguramu.

◘ **“Waaqayyo saba isaatti ni murteessa”** kunis Septuwajentii irraa Kes. 32:36A luqisii dabalataati. Barreefama Ibirootaan “mirkaneessaa” qaba, “murtoo” caalaa. Gaaleen kun tokkummaan isaa eyyama isaaniin cubbuu kan hojjetan yeroo tokkoo namoota Waaqayyoo turanii? Yeroo hundaa luqisiin kakuu moofaa kallatti tokko qofa irratti xiyyaafata. Inni tarii “firdii” ta’a, sana dha gosni tuqaa luqisichaa, isa jalqabaa haala barreefamichaa osoo hin taane, Israa’eel ejjituu kan eeru. Barreessichi, Waaqayyoo saba ofi isaa firdiidhaaf fudhachuu dhiisuu isaa , kitaaba isaa hundumaa irratti akka of-eeggachiisaatti itti fayyadameera.

**10:31 “Harka Waaqayyoo isa jiraataatti kufuun baay’ee kan nama sodaachiisuu dha”** gaaleen kun (3:12) kan inni calaqqisiisuu maqaa kakuu Waaqayyo “Yaahiwwee” dha (Bau. 3:14), Ibiroota irraa “gochama ta’uu” (Mat. 16:16). 2:7 irratti mata-duree addaa ilaali. Amanuu dhiisuun bu’aa bara baraa (rakkina) haamachiisa!

## IBROOTA:10:32-39

**32guyyoota jalqaba itti ifa argattanii, wal’aansoo guddaa dhiphina of keessaa qabu obsaan dandeessan sana yaadadhaa. 33Isin keessaa kaan mul’inatti arrabsamanii rakkataniiru; kaan immoo hidhata warra mul’inatti arrabsamanii rakkatanii turan. 34Isin warra hidhamanii wajjin dhiphattanittu; qabeenya isa caalaa wayyuu fi isa hin darbine akka qabdan waan beektaniifis, saamamuu qabeenya keessanii gammachuudhaan fudhattaniittu. 35Ammas amanachuu keessan isa gatii guddaa qabu hin gatinaa! 36Jaalala Waaqayyoo gootanii, isa Waaqayyo abdachiise argachuudhaafobsaan danda’uun isin in barbaachiisa. 37Caaffanni qulqullaa’aan, “Yeroo xinnoo isheetu jira, inni dhufuuf jiru sunis, in dhufa malee hin turu. 38inni qajeelaan kan kootii, amantiidhaan jireenya dhugaa in argata; namni yoo dugda anatti gate garuu garaan koo itti hin gammadu” in jedha. 39Nuyi warra amantii qabanii fi warra lubbuu isaanii oolfatanii dha malee, warra badiisaaf dugda isatti gatan miti.**

**10:32 “Bara isa darbee yaadadhaa”** kun xiyyaafataa giddu galeessaa ammaati, 5:12 kan eeru.

◘ **“Ifni isaanii erga ifee booda”** kun gareewwan hin amanneef faayidaa irra kan ooleedha, 6:4 irra kan jira. Ergichi kan isaan bira ga’uu gareewwan lama akka qabu nan amana.

1. Humna Waaqayyo Yihudoota argan, dhuga-baatii fi jireenya hirihoota isaanii amannoo
2. Yihuudi amanaan mana sagadaa Yihudii yoomessaa sichi waaqefachaa jiru

“Isin” kan jedhu lak. 32-36 irra kan jiru lak. 26-31 wajjin wal faallessa (akka 6:9-12, 6:4-8 wajjin).

◘ **“kan itti jaabattan”** fakkiduun kun wal dorgomii Atileetiif (12:1, 2, 3, 7).

◘ **“Rakkoon kan ta’ee wal’aansoo cimaadhaan”** kun kan inni argisiisu waldaa kristaanaa irratti hari’atama lafa dha’eedha, mana sagada Yihudii osoo hin taane, sababni isaa Yihudummaan Roomee jalaa amanti seera-qabeessa ta’uu isaan, kiristaanummaan garuu hin ture. Keeyatni kun kan inni argisiisu isaan rakkina keessatti kan darban kan birootti hirkachuu isaanii dha, akkasumas wal’aansoo tokko tokkoo hirmaachuu isaanii (lak. 33-34, 6:10).

**10:34 “Hidhamtootaaf”** kristaanonni tokko tokkoo hidhamani turan, garuu fudhatoota ergichaa osoo hin ta’in. Isaan amantoota turan, ta’us garuu guutuu guutuutti waldaa kristaanaatti hin mul’anne ture. Kunis ilaalchaaf labsii haaraa ta’uu danda’a, isaan Yihudii amanaa turan, sichi mana sagadaa Yihudiitti kan waaqessan kan jedhu (seensa irratti, fudhatoota ilaali).

KJV “hidhata koo keessa” kan jedhu qaba, kanas yaada kennitootni baay’een barreessummaa Phaawuloosiin akka ragaatti kan isaan fayyadaman. Ta’us, ta’au danda’a jedhamee kan yaadamu barreefamni harkaa heedduun jiru: (1) “miira namoota walitti hidhuun” ($P^{13}$, A, D8, fi Valgeet fi Peeshita hiikootni), (2)”miira namoota walitti hidhuun” ($P^{46}$, Ψ, fi Origiin faayida irra kan inni oole barreefama Girikiin), fi (3)”hidhata koo  irra kan jiran” ℵ, $D^2$, K, L, P fi barreefama Girrikii Aleksandeeriyaa Kilimentiin faayidaa irra kan oole).

⊡ **“Qarshiin keessan saamamuu gammachuudhaan fudhattan”** kun amansiisaakan ta’ee ragaa dha, Kristoositti abdii qabnuu fi dhaala isatti qabnuun (9:15, 11:16, 13:14, Mat. 5:12, Luq. 6:22-23, Rom. 5:3, 8:17).

⊡ **“Kan fooyya’e”** 7:7 irratti yaadannoo guutuu jiru ilaali.

**10:35-36** isaan lakkoofsonni kun michoota amantoota hawwii isaani qabateera (1)ija-jabummaa isaanii akka hin ganne (3:6, 4:16, 10:19) fi (2)akka obsan (12:1-3). Karaa baay’eedhaan sagaleen kun akka ergaa waldaalee kirstaanaa torbaniiti Mul. 2-3 irratti (2:3, 5, 7, 10, 11, 13, 16, 17, 19, 25, 26, 3:2, 3, 5, 10, 11, 12, 20). Amantiin dhugaa amantii obsuu dha (1Yohaannis 2:19). Kan Waaqayyoo abdiiwwan kakuu fudhachuu fi qabachuutu isaan irra jiraata. Mata-duree addaa 4:14 irratti ilaali.

Dhimma fayyinnaa irratti wanti dhugaan, wal’aansoo kan godhan amantoota miti, ta’us garuu waldaa kiristaanaa ammayyaa dhihaa miseensa warra ta’aanii malee, isaanis jireenya isaanii keessatti hammam ragaa amantii kan hin qabne. Amanaa salphaa, fayyina irratti bifa of-ol qabeen walqabsiisuu, waldoota kiristaanaa keenyaa kiristaanoota mucooliin guutameera, namoonni hin fayyinnes uffata kiristaanaan ni argamu! Duuka bu’ummaa fi guutuu kan ta’ee qulqullummaanf waamamuun,  wantoota harkaan qaqabatamaaniif, kapitaliizimiif, safuudhaan kufuu, aadaan warra lixaa ammayyaa badeera. Fayyinni gara hadhaa’ummaatti jijjirameera (tikeeti gara mootummaa Waaqatti ittin galan, jireenya of-irratti xiyyaafateen dhuma irratti yookaan waabdii balaa abiddaa poolisii, cubbuu gubachaa jiru) guyyaa guyyaatti yoo ta’e, guddina irra, Waaqayyo wajjin yoo ta’e walitti dhufeenya dhuunfaa caalaa!! Waaqayyoo fakkaatti isaa mucaa namaa deebisuu ni barbaada, kanaaf mucaa namaa kufe gahuufi danda’a, Kristoosiin kan ta’ee kennaa bilisaa fayyinaa. Kan fayyineef isa tajaajiluuf! Fayyinni jireenya tajaajilaa fi duuka-bu’uummaa  kan fiduu dha.

## Mata duree addaa: Barbaachisummaa ciminaa

Macaafa qulqulluu kan ta’ee hundee amantii, jireenya kiristaanoota wajjin kan wal qabatee ibsuudhaaf baay’ee rakkisaa dha, sababii isaa dhi’eenyi isaa adda kan ta’ee kan warra ba’aa faallaa lama ta’uu isaati. Isaan lamaan waan wal faalleessan fakkatuu garuu laamanuu macaafa Qulqulluu dha. Amantootni warra lixaa kan isaan baratee dhugaa isa tokkoo fudhatanii kan biraa beekumsa faallaa dhiisuun yookaan gadi qabuu dha. Mee isiniifaan ibsa.

1. Fayyinni Kristoosiin amanuudhaaf murtoo ka’umsaati yookaan guutummaa jireenyaa kennuu dha, bartuu ta’uu dhaafii?
2. Fayyinni Waaqa isa guddaa irraa kan ta’uu fillannoo ayyaanaati, yookaan kennaa Waaqummaa kan ilmii namaa amanuu fi deebii qalbi jijjiiraanaatii?
3. Fayyinni al tokkoo yoo fudhatan deebi’anii dhabuu kan in dandeenyee dha yookaanis itti fufeenya kan qabuu yaalii kan gaafatuu?
   Dhimmi jabinaa seena waldaa kiristaana hundumaa kan wal falmisiisu ta’ee tureera. Rakkinichi kan ka’uu walummaa galatti kakuu haaratti kan argaman kan wal falleessan keeyata
4. Itti gaafatamummaa bareefamaa
   a. Dubbi Yesus dubbate (Yohannis 6:37, 10:28-29)
   b. Dubbii Phaawulos dubbate (Roomee 8:38-39, Effeessoon 1:13, 2:5, 8-9, Filliphoos 1:6, 2:13, 2 Tessoollonqee 3:3, 2 Ximootihos 1:12, 4:18)
   c. Dubbii Pheexiroos dubbatee (1 Pheexiroos 1:4-5).
5. Barbaachisummaa jabinnaa barreefama argisiisan
   a. Dubbi Yesus dubbate (Maatihos 10:22, 13:1-9, 24-30, 24:13, Maariqoos 13:13, Yohannis 8:31, 15:4-10, Mul’ata 2:7, 17, 20, 3:5, 12, 21)
   b. Dubbii Phaawulos dubbate (Roomee 11:22, I Qorontos 15:2, II Qorontos 13:5, Galaatiyaa 1:6, 3:4,

5:4, 6:9, Filliphuus 2:12, 3:18-20, Qollasihaas 1:23)

c. Haasa barreesiitoota Ibirootaa (2:1, 3:6, 14, 14:14, 6:11)
d. Dubbii Yohannis dubbatee (1 Yohannis 2:6, 2 Yohannis 9)
e. Dubbii Waaqayyo abbaan dubbatee (Mul'ata 21:7)

Fayyinni macaafa Qulqulluu kan inni madduu oolantummaa Waaqayyoo sadan tokkoo kan ta'ee jaallala isaa irraa, haraara isaa irraa fi ayyaana isaa irraa. Namni kaamiyyuu yoo ta'ee kakasuu hafuura qulqullu irraa yoo ta'uu baatee fayyuu in danda'uu (Yohannis 6:44, 65). Waaqummaan dhufee yaada isaa ijaara, haa ta'uu malee namoonni amantii fi qalbi jijjiiranaadhaan deebii akka kennan nii gaafata, ka'umsaafiis ta'ee itti fufeenyaaf. Waaqayyoo ijoollee namaa wajjin walitti dhufeenya kakuutiin hojeta. Caroomuu fi itti gaafatamumaawwaan jiru!

Fayyinni ijoollee namaa hundumaaf kennameera. Du'ii Yesus Kiristoos kan ta'ee sababa rakkina cubbuu uumama kufeefi. Waaqayyoo karaa kenneerra, akksumas bifa isaatti kan hojeetaman hundumtuu jaallala kennee fi deebii kennaa akka kennaniif barbaade.

Nannoo mataduree kanaatii ilaalchaa Kalviin kan hintaane baayee dubbisuu yoo barbaade

1. Dale Moody, *The Word of Truth*, Eerdmans, 1981,1981(fuulaa.348-365)
2. Howard Marshall, *Kept by the Power of God*, Bethany Fellow ship, 1969
3. Robert Shank, *Life in the Son*, Westcott, 1961 ilaali.

Macaafni Qulqulluun naannoo kanatti rakkina adda addaa lama argisiisuu: (1) Ija kan hin qabne kan jiruu fi jireenya dhuunfaa kan ta'ee kan akka ragaa itti gaafatamummaa fudhachuu (2) Tajaajilaa fi cubbii jireenya dhuunfaa irratti walaansoo kan qaban jajjabeesuu. Fakkeenyichi kan jiruu garee dogogoroon kan ergaa dogogoree fudhachuu fi seera barumsa Waaqayyuummaa keeyata macaafa Qulqulluu murtaa'an utuu godhaniti. Kiristaanoonni tokko tokko ergaa itti gaafatamummaa baay'ee utuu barabaadanii kan biroon immoo ofeegaachisa cimoo barbaaduu! Ati garee eenyuutii?

**10:36** gochamni kun haala duuka buutootaa wajjin kan deemuu dha!

▣ **"Fedha Waaqayyoo"** mata - duree addaa 13:21 irratti ilaali.

▣ **"Kan isinni kennamee sagalee abdii akka argattan"** kun kan inni argisiisu Kristoosiin abdiiwwan kakuu haaraati (jechuun, 9:15)!

**10:37-38** kun luqisii septuwajentii irraa ta'ee dha, kan Ibr. 2:3-4, kan lamaannuu gaalee gara hdhumaa wajjin, sabiridhaaf kan tarreefaman.

▣ **"Ba'uuf kan jiru"** barreefamni Masoratikii Ibiroota "isa" kan jedhu qaba, ta'us garuu septuwajentiin Girikii kan dhuunfaa godha, tokkummaan isaas Masihii.

**10:38 "Amantiidhaan jiraata"**

## Mata Duree addaa: Amanuu, Amanachuu, Amantii fi Amanamummaa kakuuu moofaatti rma.

I. Ibsaa Bantuu

Isaan bariums Waaqayyuummaa Yaada rime fayyadamaa taa'uu kan qabu, Kakuu Haaraa fi bay'ee murteessaa akka ta'ee dha. Kakkuu moofaa fi ifatti akka taa'ee osoo hin taane. Inni sirri umatti achii dha. Haa ta'uu malee kan inni mul'atee kan filataman furtuu keewwataa fi namootaa.

Kakuu Moofaa kan waliin make

1. Nama dhuunfa dhaa fi uummatichaa
2. Mudannaa namaa dhuunfaa fi Abbomamuu kakuuwwan

Amantiin mudannaa nama dhuunfaa fi tooftaa jireenya guyya guyyaati innis nama dhuunfaatiif ibsuun ni salphata, ifa jechaan ibsuu irra (jechuun, qayyabannaa jechaa). Kunbifa nama dhuunfaa kan wayyuun kan mul'ate

1. Abirahaamii fi Sanyii isaa
2. Daawwiiti fi Isiraa'ee

Isaan Namooni kun kan isaan wal-argan / kan walitti isaan fidee waaqayyoo dha, akkasumas jireenyi

isaanii dhaabbataatti jijjirameera. (kan jirenya muda hin qabnee miti, garu itti fufeenyaan amanti jiru). Qoramsi dadhabbif cimina amantii isaani mull'isa, waaqayyoo wajjin walitti dhufenya qaban, garu hiriyummaa, walitti dhufeenya wal amantaa qabu yeroo hunduma itti fufa! innis qorameera waamameeras, garu inni itti fufa akka kennaa isaaniti fi ragaa tooftaa jireenyaisaani.

II. Isa guddaa hundee jechaa fayyadama isaa.

A. אמר (BDB 52)

1. Goochima
   a. *Qal* - itti hirkachuuf, kunuunsuuf (jechuun, 2[faa]Mootota 10:1,5; Asteer 2:7, fayyadama barumsa waaqayummaa kan hintaane)
   b. Hundee *Niphal* – sirritii mirkanefachuuf ykn cimsuuf, dhaabuu, mirkaneefachuuf, amanamaa ta'uf ykn kan amaanaman
      (1) Namaaf,Isaayaas 8:2; 53:1; Erimiyaas; 40:14
      (2) Wantotaaf, Isaayaas. 22:23
      (3) Waaqayyoof, keessadeebi 7:9,12; Isaayaas 49:7; Erimiyaas 42:5
   c. Hundee *Hiphil* – cimanii dhaabachu, amanuu, amanachu
      (1) Abrahaam Waaqayyoon amane, seeraa uumama 15:6
      (2) Isiraa'elloonni Gibxiitti amanan, seeraa ba'uu 4:31; 14:31 (seera keessa deebii 1:32 kan fallesu)
      (3) Isiraa'elloonni Yaahiwwee amanan, isa karaa Musee dubbate, seeraa ba'uu 19:9; faarsaa Dawiti 106:12,24
      (4) Akaazii waaqayyooti hin amanne, Isaayaas 7:9
      (5) Isatti kan amanu hudumtuu, Isaayaas 28:16
      (6) Waa'ee Waaqayyootiif dhugaa amanaman, Isaayaas 43:10-12
2. Maqaa (kan dhiraa) – amanamumaa (jechun, seeraa keessa deebii 32:20; Isaayaas 25:1; 26:2)
3. Dabal gochima dhuguma dhuguman, irratan wali gala, akkasi ta'uu danda'a (seeraa Keessa deebii 27:15-26; 1Mootota 1:36; 1eenaa baraa 16:36; Isaayaas 65:16; Ermiiyaas 11:5;28:6).kun kan "ameenii"kan tokkuma fayyadama waaqefannati, Kakuu Moofaa fi kakuu haara.

B. (אמת BDB 54) kan dubartii maqaa, ciimina, amanamumaa, dhugaa

1. Namootaaf, Isaayaas 10:20; 42:3; 48:1
2. Waaqayyoo dhaaf, seera ba'uu 34:6; Isaayaas 38:18,19; 61:8 Faarfannaa 117:2
3. Dhugaa dhaaf, seera keessa deebii 32:4; 1 Mootota1 22:16; Faarsaa Dawiiti 33:4; 100:5; 119:30; Ermiyaas 9:4; Zakkaariyaas 8:16

C. (אמרות BDB 53),cimina,cimuu, amantootumaa

1. Harkaaf, seera ba'uu 17:12
2. Yeroo dhaaf, Isaayaas33:6
3. Namotaaf, Ermiiyaas 5:3; 7:28; 9:2
4. Waaqayyoo dhaaf, farsaa Dawiiti 40:11; 88:12; 89:2,3,6,9; 119:138

III. Kan Phaahuloos fayadama bu'uurri yaadaa kakuu mofaa rma

A. Phaahuloos Yaahiwees ta'e kan kakuu mofaa hubannosaa haraa bu'uura kan godhate kan mataa isaa dhunfaa waltti dhufeenya akka tasaati, Iyeesuusi wajjin karaa damaasqotti (hojii Ergamootaa 9; 22; 26).

B. Innisi deggersa kakuu mofaa barbadeera hubannosaa haraa dhaaf ijoo kan taa'an keeyeta lama irratti,isaanis hundee kan gargaaraman אמר

1. Seera uumamaa 15:6 - wal quunnamtiin dhunfaa Abrahaam Waaqayyoo dhaan kaka'e (seera uumamaa 12) bu'aan isaasi amantii dhaan jireenya abboomamu kan ta'e (seera uumamaa 12-22). Phaawuloos isa kana Roomee 4 fi Galatiyaa 3 irrati dubbatera.
2. Isaayaas 28:16 - isatti kan amanan hundumtuu (jechun, Waaqayyoo kan qoree fi dhagaa golee kan kaa'e) Raawwatee
   a. Romee 9:33, "in qana'uu"yookaan "hin gaabbisisuu"
   b. Roome 10:11, akkuma isa olii kan ta'e
3. Imbaqoom 2:4 isaan isaa amanama Waaqayyoonni kan beekan jireenya amanachuu qabaachu isaan irra jira (Irmiyaas 7:28). Phawuuloos barreeffama kana Roome 1:17 fi Galatiyaa 3:11 (Ibiroota 10:38 irratti yaadannoo jiruu ilaali).

IV. Kan Pheexiroos kan kakuu moofa fayyadama yaad-rimee
   A. Pheexiroos kan waliin make
      1 Isayaas 8:14, Phexiroo isaa dura 2:8 (Dhagaa guufachisuu)
      2 Isaayaas 28:16, Phexiroos isaa dura 2:6 (dhagaa gollee)
      3 Faarsa Daawit 111:22, Phexiroos isa duraa 2:7 (dhagaa tuffatamaa)
   B. Isira'eeliin kan ibsu qooqaa adda ta'een gala galcha, "sanyii filatamaa, lubboota mooti, sabaulqulla'aa,saba dhaala Waaqayyoo ta'e"
      a. Seera keessa deebii 10:15; Isaayaas 43:21
      b. Isaayaas 61:6;  66:21
      c. Seera ba'uu 19:6; Seera keessa deebi 7:6
      Kanaafi amma kan gargaarame Kiriistoositti kan jiruu amantii walda kiriistaanatti

V. Kan Yoohaniis fayyadama hundee bu'uura yaada
   A Kan saa fayyadama kan Kakuu Haara
      "In amane jechii jedhu jecha Girikii irraa (Pisteuo) yemmuu ta'u, innis immoo kan hiikamuu "amanu,""amanti,"yookaan in oola. Yoohaniis 2:23-25 qajeellumman sabichaa kan guutee kennamuu jirachuun isaa amansisaa miti Yesuus nazireeticha akka Masihiitti fudhachuudhaaf. Fakkeeny iraan,jechii kun "amanu"fayyaadama guutuu hin taane kan argamu Yohaaniis 8:31-59 fi Hojii Hrgamoota 8:13, 18-24 irrattidha. Inni dhugaana amantii macaafa Qulqulluu deebiin jalqabarraa guddaadha. Innis hordofuu kan qabuu gara adeemsa duuka buutuutti  (Matihoos 13:20-22, 31-32).
   B Fayyadamnii isaa kan wal-hidhee wajjiin
      1. *eis* jechuun "gara … keessa (Be)  jechudha . kun adda kan ta'e qinda'umaa cimina kan kennuu amantootni amanta isaani/amanamuu isaani gochuu kan qaban Yesuus irraatti
         a. Maqaa isaatiin (Yoohaniis  1:12;  2:23, 3:18; 1 Yoohaniis 5:13)
         b. Isaan  (Yoohaniis  2:11;  3:15,18;  :39;  6:40;  7:5;31,39,48;  8:30, 9:36; 10:42; 11:45; 17:37, 42; Matihoos 18:6; Hoji Hergamoota 10:43; Philiphisihoos 1:29; 1 Pheexiroos 1:8)
         c. Anaan (Yoohanis 6:35; 7:38; 11:25, 26; 12:44, 46; 14:1, 12; 16:9; 17:20)
         d. Ilma isaatiin (Yohaannis 3:36; 9:35; Yohanniis isa dura 5:10)
         e. Yesuusiin (Yohanniis 12:11; Hojii Hergamoota 19:4; Galatiyaa 2:16)
         f. F Ifaa isaatiin (Yohanniis 12:36)
         g. Waaqayyoodhaan (Yohanniis 14:1)
      2. *en*  jechuun "keessa"dha, akka Yohannis 3:15;Marqoos 1:15; Hojii Hergamoota 5:1
      3. *epi* jechuun "keessa"yookaan "irra,"dha, akka Matihoos 22:42; Hojii Ergamoota 9:42; 11:17; 16:31; 22:19, Roome 4:5, 24; 9:33; 10:11; 1 Ximooxiyoos 1:16, 1 Pheexiroos 2:6
      4. DATIVE CASE  hirkataa jechama kan wal hidhee jiruu akka Galatiyaa 3:6; Hojii Hergamoota 18:8; 27:25; 1 Yohanniis 3:23;5:1
      5. *hoti*, hiiki isaa "kan amane"maal akka amane qabiyyee isa argisisa
         a. Yesuusi Qulquulluu kan Waaqayyoo ta'uu isaa (Yohanniis 6:69)
         b. Yesuus kan jiruu fi kan jiraatudha (Yohanniis 8:24)
         c. Yesuus abbaa keessa abbaan immoo isa keessa  jira, (Yohanniis 10:38)
         d. Yesuus Masihiidha (Yohannis 11:27, 20:31)
         e. Yesuus ilma Waaqayyootti (Yohannis 11:27,20:31)
         f. Yesuus abbaadhaan ergamee (Yohanniis 11:42,17:8,21)
         g. Yesuus abbaa wajjiin kan jirudha (Yohanniis 14:10:11)
         h. Yesuus abbaa bira dhufee (Yohanniis 16:27,30)

VI. Guduunfaa
   Amantaan Macaafa Qulqulluu jecha/abdii Waaqummaatiif deebi namoota. Waaqayyoo yeroo hundumaa ka'umsa isa in fudhata (jechuun, Yohanis 6:44, 65), haa ta'uu malee kan walitti dhuufenya Waaqummaa kun arman olitti deebii namootaaf kaa'era.
   1. Amanuu
   2. Ajajamuu kakuu
   Amantaa Macaafa Qulqulluu
   1. Walittii dhuufenya dhuunfaati (ka'umsa amantii)
   2. Dhugaa Macaafa Qulqulluuti amanachudha (mul'achuu Waaqayyootti amanu)

3. Isaafiis deebi kan ta'u deebii sirrii (amantaa guyyaa hundumaa)

Amantaan Macaafa Qulqulluu motummaa Waaqayyootiif tikeetti miti yookaan kan inshuuraansii Poolisii. Innii walitti dhuufeenya dhuunfaati. Kun kan uumamaa fi akeeka ilmaa namaati, bifaa fi fakkaatti Waaqayyootti kan uumamaan (Seera uumamaa1:26-27). Ijoon dubbii "walitti dhiyaachu"dha. Waaqayyoo tokkuma barbaada, kan ta'e ejjeennoo Waaqayyummaa osoo hin ta'in! Haa ta'uu malee isa Qulqulluu Waaqayyoodha wajjiin tokkuma ta'u,ijjoollota "kan maati isaani"amala akka calaqisisan kan jiruu gaafata (jechuun, qulqulluummaa, Lewoota 19:2; Matihoos 5:48; 1 Phexiroos 1:15-16).

Kuufaati (Seera uumama 3) dandeetti deebi sirrii kennuu keenya miidhe. Waan ta'eef, Waaqqayyoo bakka keenya godhe (Isqeel 36:27-38), "laphee haara"kennuudhaan, akkasumaas "haafura haara,"innis amantidhaan akkasumaas kara qalbi jijiranaa isa wajjin tokkummaa akka qabanuuf akka aboomamnuuf kan nuu dandesisuu!

Isaan sadan kun isaan gurguddoodha. Sadanuu hundumtuu eegu irra jiraata. Galmii isaas Waaqayyoon beekudha (Ibirootaa fi galumsaa Girikiin) akkasumas jireenya keenyatti amala isa calaqisiisu. Galmii amantii guyyaa tokkoo kan argamuu mootummaa Waaqayyoo miti, haa ta'uu malee guyyaa hundumaa Kiristoosiin fakkaachudha.

Bu'aa amanamumaa namootati (kakuu haara), hundee isaa osoo hin ta'iin "Kakuu Moofaan"Waaqayyoo wajjiin walitti dhuufeenya jiru: amantiin namoota amanamumaa isaattin; amanachuun namoota amanamummaa isaa irratti. Handhuuri isaa kan Kakuu Haarailaalchii fayinna irraatti kan ta'u, namooti dirqamatti deebi kennuutu irra jiraata ka'umsa isaa irraa kan ta'e kan itti fufuu, ka'umsa isaa kan ta'e ayyaana fi hararaa Waaqayyoo, Kiristoosiin kan mul'ate. Inni mjaallateera, inni ergeera, inni kenneera; nu'iis amantiidhaa fi amanamumaadhaan deebi isaa kennuun in ta'a)Effessonn 2:8-9 fi 10)!

Inni amanamaan Waaqayyoo, saba amanamaa barbaada, mataa isaa biyya lafaa amantaa hin qabne ibsuudhaaf isa irratti kan ta'u amantaa dhuunfa fidduudhaaf.

▣ **"Kan koo"** barreefama Girikii irra kan wal simuu dhiisuun jira, bakka maqaa nama dhuunfaa kan itti fufuu irratti. Ofi kan walitti dhufu tokkoos "tola" yookaan "amantii" dha. Barreessaan keenya kan MT fi LXX hiikonni hiiki isaanii rakkisaa ta'uu mirkaneessuuf itti fayyadameera (1)dhufaati Masihiiti fi (2)barbaachisumaa amanamummaa amantootaa.

Girikii duriitti qubee gurguddaan barreefama harkaa A fi C "kan koo" kan wal qabsiisuu tolaa wajjin. LXX, Peshita, fi D*, P[13], D[c], H[c], K, P fi kan Tekistes Risepites (fudhattoota barreefamaa) "kan koo" hir'ateera (hri'ina Phaawuloositti fufee, Ibr. 2:4 kan eerame Rom. 1:17, Gal. 3:11 irratti).

"Akka" lakkoofsicha irraa kutaa lammaffaa irratti ramaddii sadaffaa hima haalaa, innis gocha cimaa kan ta'e.

**10:39** barreesitootni sabri dubbiftoota irra kan jiru amanachuu of keessatti qabata (6:9-12)!

▣ **"Gara boodeetti kan deebi'an"** kun kan Inbaqoom 2:4 waabii dha, LXX irratti, "gara boodeettis yoo deebi'ee lubbuun koo isatti hin gammadu." Ibiroota irratti dhimma amantootaaf qabu amma dhumaatti amanamummaa dha. balaan guddaan isaa "gara booddeetti deebii'ee" dha.

Lakkoofsa kana irratti gaaffiin hiikaa, "gara booddeetti kan deebi'u" kan jedhuu eenyuun akka eeru dha.

1. Yeroo Inbaqoomitti kan turan Israa'eeloota
2. Ibr. 6:1-12 kan jiran gareewwan lamaan, tokko tokkoo Yihudii fi kan biroon Yihudii amanaa, gareewwan hin amanne gara booddeetti deebi'aniiru, ifaa kan ta'ee dhuga-baatii wangeelaa irraa gara badiisaatti
3. Amantootni walummaagalatti, hanga xumuraatti amanamummaa isaanii kan hin qabane

Kan kitaabaa haalli barreefamaa wali gala fi 6:9-12 lak. 2 ni deggera.

▣ **"Badiisa"** jechi kun yeroo hundaa faayidaa irra kan inni oolu jireenya bara baraa kan birootiif (Mat. 7:13, Fil. 1:28, 3:19, 2Tas. 2:3, 1Xim. 6:9, 2Phex. 2:1, 3, 3:7). Kana hubachuun kan ta'us garuu warra hin ammanne hanga ga'umsaatti balleessuu miti, garuu jireenya foonii dhabuu dha malee. Fayyadamni fakkiiduu

wal fakkaataan kakuu moofaa irra baay'inaan jira. Inni tokkooffaan iciiti gahanabii fi kallatti dhiphina bara baraati (Dan. 12:2, Mat. 25:46).

▣

**NASB** **"garuu lubbuu isaanii fayyisuudhaaf warri amanan"**
**NKJV** **"garuu lubbuu isaanii fayyisuudhaaf warra amanan"**
**NRSV** **"garuu warra amantii qabanii fi warra fayyan keessaa"**
**TEV** **"iddoo isaa, nu amanti qabna, fayyineeras"**
**NJB** **" nu amanti kan qabnuu dha, lubbuun keenya hanga fayyituutti "**

Kan "gara booddeetti deebi'uu" amanamummaa faallaadha. Ibmaqoom irraa kan eerame kara adda ta'een faayida irra kan oole, Phaawuloos hojii caalaa ka'umsa amantii barbaachisummaa isaa cimsa itti kennuuf kan fayyadame caala (Rom. 1:17, Gal. 3:11), warri Ibiroota amantii itti aanuuf itti fayyadamuuf. Barreefamni kun sadarkaa isaa kaa'aa, kan amanamummaa gosa gahe, boqonnaa 11 irratti. Waamichi gosa akkanaa kun kan inni argisiisu amantiin yeroo hundumaa hari'atamuu akka in geesiifne dha, du'as dabalatee. Inni cimsa kan inni laatu isaan amantoota kakuu moofaa rakkooguddaa gidduutti yoo ta'an illee (lak. 32-33)amantii isaaniitiin itti fufaniiru! Barreessaan Ibirootaa kan inni mirkaneessuu dubbistoonni amantoonni dabalataan hanga dhumaatti amantii isaaniitiin akka itti fufan amanti qabu ibsuudhaaf.

## GAAFFILEE MAREE

Qajelfamni qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta'u, sana jechuunis garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaatti hiikuun itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. tokkoon tokkoon keenya ifa nu kennameen adeemuutu nurra jiraata. Hiktoonni jalqabaa si, kitaaba qulqulluu fi hafuura qulqulluu dha. kanas deebiftee kan hiike irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Gaaffileen maree kun kan kennamana kutaa kitaaba kanaa dhimmoota gurguddaa akka ta'utti akka qayyaabatu akka si gargaaruuf. Kana jechuunis akka ta'utti akka xiinxaltu si kakaasuuf malee kana qofaan akka daangooftu miti.

1. Kristoos ofi isaa "yeroo tokkoo fi hundumaaf" aarsaa kan dhi'eesse maaliif baay'ee faayida qabeessa ta'e?
2. Kan ga'umsaa fi fayyinni xumuraa yoomii fi maalii dhaa?
3. "Guutuu" (telos) kan jedhu jecha kakuu haaraa ibsi.
4. Kaayyoon guyyaa haara'umsaa maal turee? Aarsaan kakuu moofaa 10:8 wajjin akkamitti walitti dhufa?
5. Barreessaan keenya dubbiftoota kakuu moofaa Yesusii fi hafuura qulqulluu wajjin maaliif akka abbummaatti wal qabsiisan?
6. Qulqullaa'uun kan yeroo tokkoo fi gocha yeroo hundaati (lak. 10) yookaan adeemsa (lak. 14)?
7. 10:18 maaliif baay'ee barbaachiisa ta'e?
8. Wantoota ta'uu qaban tarreessi, nuyi jireenya keenyaan akka isaan raawwannuuf kan nu jajjabaanuu, Kristoosiin Waaqayyoo wajjin dhi'eenya qabnu.
9. Lakkoofsa 26-29 amantaa ganuu nu barsiisaa?
10. "Bakka tokkotti walitti qabamuun" ergaa kanaaf fudhatootatti rakkoo kan ta'e maaliif?
11. Rakkina fudhachuun fedha Waaqayyootii? (Lak. 32-36).

# IBIROOTA 11
# HIIKAWWAN HAARAAWA RAMADDIWWAN KEEYATAA

| UBS[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Amantii | Amantiidhaan nu | Waamicha gootaa fi gootummaa | Amantii | Fakkeenya amanti abbootaa |
| 11:1-2 | 11:1-3 | | | |
| 11:3 | Seena bar’uu amantii | 11:1-3 | 11:1-2 | 11:1-2 |
| 11:4-7 | 11:4-7 | | 11:3 | 11:3 |
| | | 11:4-7 | 11:4 | 11:4 |
| 11:8-12 | Abiraham isa amanamaa | | 11:5-6 | 11:5-6 |
| | 11:8-12 | | 11:7 | 11:7 |
| 11:13-16 | Abdi waaqa irraa | 11:8-12 | 11:8-10 | 11:8-10 |
| | 11:13-16 | | 11:11-12 | 11:11-12 |
| 11:17-22 | Amantii abbootaa | 11:13-16 | 11:13-16 | |
| | 11:17-22 | | | 11:13-16 |
| | | 11:17-22 | 11:17-19 | 11:17-19 |
| | | | 11:20 | 11:20-22 |
| 11:23-31 | | | 11:21 | |
| | Amantii Musee | | 11:22 | |
| | 11:23-29 | 11:23-28 | 11:23 | 11:23-29 |
| | | | 11:24-26 | |
| | | | 11:27-28 | |
| 11:32-38 | Amantiidhaan mo’an | 11:29-31 | 11:29 | |
| | 11:30-40 | | 11:30-31 | 11:30-31 |
| 11:39-40 | | 11:32-38 | 11:32-35a | 11:32-40 |
| | | | 11:35b-38 | |
| | | 11:39-40 | 11:39-40 | |

**MARSAA DUBBISAA SADII (fuula vi ilaali kutaa seensaa)**

YAADA BARREESSAA JALQABAA SADRKAA KEEYATAAN DUUKA BU’UU

Qajeelmani qayyabannaa hiika yeroo ta’u, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu ofii keeti yeroo hiiktu itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kenameen deddeebi’uutu nurra jira. Hiiktooni jalqabaa si, kitaaba qulqulluu fi hafuura qulqulluudha. Kanaas deebiftekan hiike irratti jechama kan biraan akka hin fudhanne.

Boqonnicha of irra gadi taa’uu tokkoon dubbissi. Yaada-ijoowwan irratti. Yaada-ijoo kee ramaddiiwwan gara olitti tarreefaman hiika shanan wajjin wal bira qabi. Ibsi guutuun keeyaticha irratti argamuu yoo baatees hiiki yaada barreessicha jalqabaa ta’e inni guddaan irratti ni argama. Tokkoon tokkoon keeyataa yaada ijoo tokkoo fi tokko qofa qabateera.

5. Keeyata tokkoffaa
6. Keeyata lammaffaa
7. Keeyata sadaffaa
8. K.K.f…

**QABIYYEE AKKA YAADA BARREEFAMICHAATTI**

**A.** Boqonnaan 11 duraa fi aantee fakkeenya kakuu moofaati, haala rakkisaa keessatti namoota amanamoo ta’an (2Pheexiroos 2 fi faallaa Yihuudaa). Isaan kana jechuun warra jalqabaa dubbiftootaa fi baroota keessatti kan jiran amantoota jajjabeessuudhaaf, amanamoo ta’aani akka argaman, haalli qaama gosa kamii iyyuu yoo isaan mudate (10:32-39).

**B.** Irra deebiinis isaan ka’umsa labsii amantii akka hin loogne hubadhaa, ta’us garuu jireenya amantiiti, kakuu moofaa jalatti. Dhumni isa amanee, jalqabbi dhugaa isa jalqabaati. Amantootni amantiidhaan jalqabu, amantiidhaan itti fufu, amantiidhaan du’u. Barreessaan Ibirootaa jireenya amanaa kan inni madaalu akkaataa guduunfaa amanamummaatiin, jedhes jalqabbi amantiin.

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

**IBROOTA: 11:1-7**

**1Amantiin waan abdatan "Dhuguma in ta'a" jedhanii fudhachuu dha; waan ijaan hin argines akka waan arganiitti "Jira" jedhanii lakkaa'uu dha. 2Sababii amantiitiif Waaqayyo biraa namoota bara duriitiif dhugaa ba'ameeraaf. 3Waaqni fi biyyi lafaa sagalee Waaqayyootiin akka uumaman amantiidhaan in hubanna; akkasittis wanti ijaan argamu wanta hin mul'anne irraa hojjetame. 4Abeel amantiidhaan aarsaa isa kan Qayin irra caalu Waaqayyoof dhi'eesse; Waaqayyo kennaa isaa fudhatee isaaf dhugaa ba'eera. Abeel amantii isaatiin qajeelaa akka ta'es dhugaa ba'ameeraaf; inni in du'e, garuu karaa amantii isaatii amma iyyuu dubbachaa jira. 5Henok du'a ijaan iyyuu akka hin arginetti amantiidhaan ol fudhatame; Waaqayyo waan isa fudhateefis hin argamne; ol fudhatamuu isaa dura immoo, Waaqayyoon gammachisuu isaa dhugaa ba'ameeraaf. 6Amanti malee immoo Waaqayyoon gammachiisuun hin danda'amu. Eenyu illee Waaqayyotti dhi'aachuu yoo barbaade, inni akka jiru, warra isa barbaadaniifis gatii isaanii akka kennuuf amanuun isa irra jira. 7Nohi amantiidhaan isa Waaqayyo waa'ee waan yeroo sanatti ija namaatti hin mul'anneetiif akeekkachiise dhaga'ee sodaatee, warra mana isaa oolchuufis bidiruu tolfate; amantii isaatiin immoo biyya biyya lafaatti yakka muree, qajeelina amantiidhaan argamus qabeenya isaa in godhate.**

**11:1 "Amantii"** kun hiika barumsa hafuuraa amantii miti, ta'us garuu fakkii hojii gochaan argisifameeti. Jechi isaa yeroo digdami afur yeroo boqonnaa kanaatti faayidaa irra ooleera. Dursa yaada kakuu moofaan "amanamummaa" yookaan "kan amane ta'uu" dha. Kun faallaa ganuuti. Jechi Girikii "amantiidhaaf" (*pistis)* jecha Ingillifaa sadiin ni hiika: "amantii," fi "amantaa," fi "Amanachuu." Amantiin deebii namaati amananummaa Waaqayyoof abdii isaaf. Amanamummaa isaatti ni amanna, ofi keenyatti osoo hin taane. Furtuun isaa amala isaati.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB, NRSV** | **"waabdii wantoota abdii godhanne"** |
| **NKJV** | **"qabatama wantoota abdii godhanne"** |
| **TEV** | **"wantoota abdii godhanne sirri ta'uu isaa"** |
| **NJB** | **"waabdii eebba wantoota abdii godhanne"** |

Jechi Girikii "waabdii" (*hupostasis*) bu'uura irraa hiikni isaa "jala jiraachuu" yookaan "jala dhaabbachuu" dha, kanaaf bu'uura isa jalqabaa yookaan kan waan tokkoo bu'uura kennuu dha. Inni kanaaf, hiikoota adda addaa bal'aa ta'ee qabaata, addunyaa duriitti. Inni adda kan ta'ee barreefama falaasama Girikii kan baratamee dha, labsii ifaa waan tokkoo eeruudhaadhaaf. Inni ta'umsa mirkanaa'aa kan ta'e faallaa isaan waan qabatamaa kan hin taane.

1. Ibirootaa 1:3 inni kan inni eeruu dubbii isa jalqabaati
2. Ibiroota 3:14 irratti inni kan inni eeruu amani amantootaa/dhuga-baatii dhugaa ta'uu isaati
3. Ibiroota 11:1 irratti inni kan inni eeru abdiiwwan wangeelaati, amma jiraachaa kan jiru , ta'us garuu amma yeroo dhufuutti kan nu karoorfannu

Jechi kun Paapiresi Gibxi irratti hiiki argamu "waamama gochaati" (NJB) . Bifa kanaan kan inni calaqqisiisuu akkaataa fayyadama hafuura qulqulluu Phaawuloos dha akka "qajeelaa" (2Qor. 1:22, 5:5, Efe. 1:4).

LXX faayidaa irra kan isaan oolan jechoota Girikii dhaabbataadhaan isa irraatti kan isaan argisiisan *tehelet* (seenaa kitaaba qulqulluu Kaambireeji, fuula 9) innis kan inni eeru "ejjeennoo obsaa fi ofitti amanamummaa waan tokkoo eeguudhaaf, ofitti amanamummaan ejjeennoo eeguu" (jechuunis, abdii)barreeessitootni kakuu moofaa yaada Ibirootaa kan isaan qabanii fi Koneen Girikii kan isaan barreessan, akkasums hiikni Septuwajenti aadaa kan fayyadaman akka ta'an yaadadhaa.

Tokkoo tokkoo hiika baay'ee ifaa ta'e haala qabiyyee barreefama kanaan kan isaan argisiisan, luqisii kakuu moofaa akka calaqqisiisu dha 10:38 (Imb. 2:2-4). Boqonnaa 11 tarreefamni jiru (gara booddeetti kan hin deebine) dha. Barreefamni kun dubbistootni jalqabaa gochuudhaaf kan isaan itti rakkatan faallaa isaati.

▣ **"Kutannoo"** jechi kun kakuu haaraatti as qofatti mul'ata. Inni kan inni eeru "qoramuudhaan mirkaneefachuu" dha. Gaaleewwan lamaan: lakk. 1 irra kan jiran kan wal cinaati (lammanuu gochama yeroo ammaa keeyata Booz

dha), kanaaf, “waabdii” fi “kutannoo” bakkatokkootti ciminaan walitti hidhameera kanaaf isaan keessa warri amanamoon jireenya isaanii ni jiraatu.

⊡ **“Wantoota hin mul’anne”** fakkeenyi kanatti fufee jiru waa’ee namoota jiraataniiti (1)kan ammaati fi abdii gara fuulduraa Waaqayyoon akka godhamanii fi (2) Waaqayyoon abdii hafuuraa ofitti amanamummaa (10:23). Ilaalchi adduunyaa isaanii murtoo guyyaa guyyaa isaanii geggeessa, haaloota osoo hin taane, haaloota osoo hin taane, wantoota yookaan of-irratti kan hundaa’ee osoo hin taane.

Haalli foonii kan hin mul’anne dhugaa hafuuraan kan deemuu dha (lak. 3). Haalli foonii qaamoota miiraa shanan kan hubannuu dha, kan bara baraa miti, kan yerooti malee. Dhugumatti, haalli bara baraa hin mul’atu (lak. 27), fi kanaaf, amanatiidhaan qabachuutu irra jiraata, ilaaluudhaan osoo hin taane. Ta’es, inni amantootaaf baay’ee sirrii fi dhugaa dha, kan dursan kan ta’an kan ittissuu fi kan gaaffatu.

**11:2**
**NASB** **“deggersa kan ta’ef”**
**NKJV** **“dhuga-baatii gaarii kan argatan”**
**NRSV** **“ deggersa kan argatan”**
**TEV** **“deggersa Waaqayyoo warra argatan”**
**NJB** **“beekamti kan argatan”**

Kun wal fakkaataa dha Phaawulos irraa “amantii” fayyadama wajjin Rom. 1:17 Gal. 3:11 irratti. jireenyi amantii isaanii isaan hin fayyifne, ta’us garuu hafuurri Waaqayyo isaan irra ta’uun ragaa dha (Yaaqob 2:14-26).

**11:3**
**NASB, NKJV,**
**NRSV** **“addunyaawwan”**
**TEV, NIV** **“yuniversii”**
**NJB** **“waggoota”**

Isaan jechoonni Girikii kun lamaan (*kosmos, 1:6 fi aion,* asitti) faayida irra kan oolan kana kan amma addunyaa foonii ibsuudhaaf. Kun “*aion)* kan inni eeruu yeroowwan hafuuraa fi tibbawwanii dha, kan lamanuu kan fooniis ta’ee adduunyaa hafuuraa dabalatee (1:2, 6:5, Rom. 12:2, 1Qor. 1:20, 2:6, 8, 3:18, 2Qor. 4:4, Efe. 1:21, 6:12). Mata duree addaa ilaali 1:2 irratti.

⊡ **“Sagalee Waaqayyoo”** jechi Girikii kun (logos) miti garuu *rhema* dha malee, inni jecha dubbiif faayiidaa irra kan oole. Kun egaa uumamni inni argisiisu *fiat* dha, jecha dubbii (Uma. 1:3, 6, 9, 14, 20, 24; Faru. 33:6, 9). Ibiroota 1:2 kan nu hubannu sagaleen Waaqayyoo (loogoos) bakka abbaa ta’uu isaati, uumamaan (Yohaannis 1:1, 10, 1Qor. 8:6, Qol. 1:16).

Kun mirkanneeffannaa amantii amantootni jireenya biyya lafaa isaanii kan isaan jiraatan ilaalcha adduunyaa ta’eera. Kun qorannoo saayinsii kan hin fudhannee hin ta’u, ta’us garuu isa ilaalcha amanti irratti ni teesisa. Amantootni ni eyyamu, saayiinsii heera uumamaa akka qoratu (mul’achuu uumamaa), ta’us garuu ga’umsa isaa kan mirkaneessan Waaqayyo qofaaf (John L.Walten, uumama irratti addunyaa badee ilaale, innis kiitaba qulqulluu irratti kan mul’ate irra caalaas Yesus Kristoosiin.

⊡ **“Kanaaf wantootni mul’atan kan mul’atan irraa akka hin taane”** kun durummaan mirkaneefannoo uumamaa miti *ex nihilo* (kam irraa uumamu), ta’us garuu kan dhugaa yookaan fakkeenya dhugaa hin taanee dha, kan lak. 1. Amantootni ni jabeefamu, dhuunfaa isaanitti kan hin arginne yookaan kan hin shaakalle, mul’achuu Waaqayyoo irratti hojjechuudhaaf. Kun gari caaluu qajeelfama barumsa hafuuraa miti, akka jireenya amantii fi abdii.

**11:4 “Abeel”** kun mucaa lammaffaa Addaamii fi Heewwani, obboleessaa isaa Qayeeniin kan ajjeefame (uma. 4:3).

⊡ **“Aarsaa caaluu”** gosa aarsaa Abeelii fi Qaayeen dhi’eessanii miti garaagarummaa kan fide, ta’us garuu ilaalcha isaaniiti (amantii) kan kennameef irratti. Kun mudoo barreefamaa baasuu ta’uu hin danda’u, aarsaa dhiigaa caalchisuun.

⊡ **“Du’ee osoo jiruu aarsaan isaa amma ammaatti ni dubbata”** kun Uma. 4:10, Ibi. 12:24 irratti galmeefameera. Haala qabiyyee barreefamaan kun mirkanneefannaa amantiiti, du’aan kan wal’aansoo wal qabuu fi mo’icha isa irratti kan qindeessu. Dubbiiftootni ari’atama irraa gara boodaatti deebi’aniiru. Isaan akka Abeel amantii qabaachuutu isaan irra jiraata.

**11:5 “Heenook”** inni kufaatiin booda du’aan kan hin tuqamne nama jalqabaati (Uma. 5:24). Kakuu moofaan haala isaa hin ibsine ta’us garuu Waaqayyoo wajjin “adeemuu isaa” ni mirkanneessa.

⊡ **“Ni fudhatame”** kana jechuun “gara bakka biraatti deeme” jechuu dha. Kun “du’aa ka’uu” miti ta’us garuu “jijjiiramuu” dha, akka Eliyaas (2Mot. 2:11). Garaagarummaan ifa ta’e kitaaba qulqulluu irra jira

1. Gara jireenyaatti namoota deebi’aani dhufan (du’aa ka’uu)
2. Utuu hin du’iin gara samiitti namoota fudhataman (jijjiiraa)
3. Yesus qaama hafuuraa qabaatee (du’aa ka’uu)

⊡ **“Waaqayyoon gammachiisuu isaan”** kun Septuwaentii duukaa bu’a, ta’us garuu MT “Waaqayyoo wajjin deemuu isaan” kan jedhu qaba.

**11:6 “Amanti malee isa gammachiisuun hin danda’amu”** kun furtuu mirkanneessaa dha, rammaddii barreefama kanaan. Ka’umsi isaa amanti miti, ta’us garuu amantii jabaatee dha, innis Waaqayyoon kan gammachiisu. Isaan fakkeenyoonni kun hundumtuu amma dhuma jireenyaatti amanamaa ta’eera, bifa kamiinuu fi akkamitti dhumni sun yoo dhufu. Amantii jechuun namoonni kan itti amanan, kan fudhatan, abdii Waaqayyoo karaa ittiin argatanii dha. Fayyummaa fi duuka-buutummaan lammanuu amantii malee ta’uu hin danda’u. Amanti, Waaqayyoo yeroo darbe kan godhe (uumama, mul’ata), amanti, Waaqayyoon argamuu ammaa (ari’atama, gidiraa, du’as yoo ta’e), amantii, abdii Waaqayyoo gara fuulduraa gochawwan (fayyina, mootummaa Waaqayyoo).

“kan hin danda’amne” 6:6 irratti yaadannoo guutuu jiru ilaali.

⊡ **“Amanuutu irra jiraata”** jechi Girikii *pistis* jechaa ingilliffaa sadiitti hiikama: “amanti,” fi “amanachu.” Xiyyaafannoon dhugaa beekumsaa irratti qofa miti, ta’us garuu amantii dhuunfaatiin male, amanamummaa Waaqayyoo, amanamummaa isaa amanuu! Inni kan mirkaneessu qofa miti, ta’us garu akkaatee jireenyaati malee.

“Dirqamatti” jechi jedhu gocha ammaa kan argisiisuu dha, hiiki isaas “inni kan hojjeechisiisuu dha,” inni barbaachiisaa dha.” Amantiin barbaachiisaa dha!

⊡ **“Inni warra barbaadaniif gatii kan kennuu dha”** kun lammanuu argisiisa, deebii ka’umsa amantii fi itti fufiinsa kan qabu deebii amanti.

**11:7 “Sochi wanta hin mul’annee Waaqayyoon hubatee”** as akkina amantiiti. Isaan qulqullootni kakuu moofaa gochaa turan, Waaqayyo irraa akka fudhataniitti. Hojiin isaanii ni mirkaneessa ture, amantiin isaanii kan jechaa qofa akka hin taane! Tilmaamuu dandeessu Nohi kan inni fudhate ga’issuu fi kufaatti, hanga kana doonii guddaa hojjeechuu isaa, bishaan irraa kan fagaate, bineeldoota qabachuuf!

⊡ **“Doonii”** kun doonii sosocho’uu hin turre, ta’us garuu akka girmaatti bololi’uu kan danda’u gosa meeshaati male. Jechichi faayidaa irra kan oole “saanduqaa” f dha, akka gabatee kakuu.

▣ **"Kanaanis biyya lafaa yakkee"** Nohii akkamitti biyya lafaa yakkaa? Fillannoo lamatu jira: (1) gocha amantii isaa fi (2)lallaba isaan (2Phex. 2:5).

▣ **"Amantiidhaan kan argamu tola kan dhaalu ta'e"** Uma. 6-8 Nahoo kitaaba qulqulluu irratti nama jalqabaati, "qajeelaa" jedhamee kan waamame (2Phex. 2:5). Inni cubbuu maleessa jechuu miti, ta'us garuu Nohi ifa qabuun deemeera, Waaqayyoon amanuu fi amanachuun. Amantiin Abirahaam isaaf akka tolaatti akka lakkaa'ameef (Um. 15:6), akkasumas immoo kan Nohi. "Tola" qayyabannaa jechaa mata-duree addaa 1:9 irratti ilaali.

**IBROOTA:11:8:12**

**8Abirahaam biyya isaati ba'ee, biyya itti darbee akka fudhatuuf isaaf yaadame tokko akka dhaquuf yeroo waamamametti, amantiidhaan in abboomame; eessa akka dhaqu utuu hin beekinis in ba'e. 9Amantiidhaan akka ormaatti biyya isaaf abdachiifame sana keessa buufate; Yisihaqii fi Yaaqoob warri isaa wajjin laficha akka argataniif abdachiifaman isa booddeedhaan akkuma jiraatan, innis godoo keessa jiraate. 10Inni mandara hundee jabaa qabu, isa Waaqayyo akka inni itti ijaaramu qopheessee ijaare in eeggata ture. 11abdii kenneef amanamaa akka ta'e, Abrahaam inni barri isaa darbe iyyuu, Saaraan isheen dhala godhachuu hin dandeenyes amantiidhaan dhala godhachuuf humna argatan. 12Kanaafis sanyiin akka urjoota waaqa keessaa baay'atan, warri akkuma cirracha qarqara galaanaa lakkoobsa hin qabnes, namicha isa akkuma waan du'ee turee tokkicha sana irraa, dhalatan.**

**11:8 "Abirahaam… abboomame"** karaa tokko tokkoon isaan fakkaattiiwwan kun hubachuun kan danda'amu jireenya isaan namoota kanaa akka bakka bu'an ta'eeti. Kakuu moofaan kan adda ta'ee dha, og-baruu duriitiin, kan inni galmeessuus amala inni argisiisu sirrii fi alta'aa dha. Abirahaam kan adda ta'ee wal makaa ture, kan sodaa fi amantii

1. Sodaa
   a. Waaqayyoos jedhee, maatii kee dhiisi, inni abbaa isaa fi Looxiin fudhate
   b. Waaqayyoo mucaa akka isaaf kennuu abdii galeef, inni Saaraa irraa mucaa tajaajila argachuuf yaale, akkasumas booda irratti Saaraa warra Gibxii fi mootii Filisxeemiif dabarsee kennuuf yaale, jireenya ofii isaa oolchuuf
2. Amantii
   a. Uuriin gadi dhiisee
   b. Waaqayyo sanyi akka isaaf kennu amanee
   c. Yisi'aqiin aarsaa dhi'eessuuf eyyamamaa ta'e (Uma. 22)

Waaqayyo "olaantummaa qajeelootaa" hin eegu, ta'us garuu nama mudaa qabu innis qalbi jijjiranaa fi amantiidhaan deebii akka kennuu akkasuamas isaaf akka jiraatu, haala kamiin iyyuu keessatti.

**11:9 "Biyya abdiin isaaf kenname keessa akka ormaatti taa'ee"** kun "orma" jecha jedhuu dha, jechuunis inni akka lammiitti mirga hin qabu ture (lak. 13).

**11:10 "Eegaa turee waan ta'eef"** kun kan hin xumuramne giddualeessa (mirkaneessaa) kan argisiisuu dha. Eeguu isaa itti fufeera!

▣ **"Magaalaa"** kun kan baratame fakkiduu kitaaba qulqulluuti (11:16, 12:22, 13:14, Yoha. 14:2, Gal. 4:26, Mul. 3:12, 21:2), innis kan inni argisiisu iddoo bultii Waaqayyooti, namootaa wajjin irra deebiin, akka Ediin.

Abirahaam jireenya isaa kan jiraate amantiidhaan, qabatama yeroo ilaalaa osoo hin taane, abdiin kan kennameef dhugaa. Amantiin jedha "biyyi lafaa kun mana koo miti", amantiin jedha "abdiin

Waaqayyoo dhugaa dha”, amantiin jedha “dhugaa jechuun kanan argu miti, ta’us garuu kan Waaqayyo jedhe malee”!

## MATA-DURE ADDAA: MAGAALOOTA LAMAAN

A. Maatihos 24-27 ramaddiin barreefamaa kan inni irratti xiyyaafatu guduunfaa tartiiba firdii raajii irratti, Isaayaas 13-23 irratti kan argamaan biyyoota naannoo irratti. Firdiin jecha xumuraa miti! Waaqa ayyaanaa fi araaraa bara baraati, hundumaa kan qabatu, karoora oolchuu qaba!

B. Kun kutaa wali gala ibsa magaaloota lamaati.
   1. Magaalootni nama kufeen ijoollee Qayeniin, kan ijaaramanii dha, isaaniis fedha isaanii wali galatti dandeetti ofii isaaniin argachuudhaaf kan yaalan (jechuun, Uma. 10-11).
   2. Magaala Tsiyoon, achis Waaqayyoo kan jiraatu (jechuun, koochoo Kirubeel lamaani ol, gabatee kakuu irratti, kutaa keessaa qulqulluu qulqullootaa, Yerusaaleem bakka manni qulqullummaa jiru) fi sabootni isaa (Yihuudii fi orma) gara isaa kan ittiin dhufanii fi isa kan ittiin waaqeessan (2:2-4, 19:18-25, Ibr. 11:10, 12:22, 13:14, Mul. 21:1-2).

C. Kan sabootaa michoota/saboota magaaloota bakka bu’an.

| **Magaaloota namaa** | **Magaaloota Waaqayyoo** |
|---|---|
| 1:7, 8, magaaloota Yihuudii gubatan | 1:26, magaalaa tolaa, magaalaa amanamaa |
| 1:21, magaalaa amanamtuu ejjituu taate | |
| 6:11, magaaloonni Yihuudi badan | |
| 14:17, 21, magaaloonni hunduu badan | |
| 14:31 magaaloota Filisxeem | |
| 17:1-3, 9, magaaloota Sooriyaa ni balleefaman | |
| 19:2, magaaloonni Gibxii wali walii isaanii badaniiru | 19:18-22, magaaloonni Gibxii Waaqayyoon waaqeessan |
| | 19:23-25, Gibxii fi Sooriyaa hunduu saba Waaqayyoo wajjin wal makan |
| 22:2, 9, magaalatti ishee boontuu, Yerusaaleem ni kufte | |
| 23, Xiiroos ni balleefamte | |
| 24:1-25:5, kufaati magaalootaa karaa hundumaan | |
| 25:10-12, Mohaabii fi magaaloota ishee, kan keessa dhokatan magaaloonni ni dhidhitaman | 25:6-9, hafeeraa gaara Waaqayyoo (jechuun, Yerusaaleem) |
| 26:5, magaalaa ishee dhokkate , tarii Mohaab | 26:1, magaalatti ishee jabduu, Yerusaaleem, ni haareefamte |
| 27:10, magaalonni dhokkatan ni kufan | |
| 29:1 “Ariel” (Yerusaaleem) | |
| 33:2, 19, magaalatti ishee boontuu (Yerusaaleem) | |
| 48:2, magaalatti ishee qulqulluu, garuu ishee qofaan | 45:13, magaalaa koo (44:23) |
| | 52:1-6, magaalatti ishee qulqullooftu |
| | 60:14, magaalaa gooftaa |
| | 62:12, magaalaatti ishee hin dhiifamne |
| | 66:6, magaalatti irraas sagalee guddaa, sagalee mana qulqulluummaa |

**11:11 “Saaraa”** barreefamni harkaa Girikii durii tokko tokkoo ($P^{46}$, D) “maseentuu” itti dabalu. Baay’ee barbaachiisaa kan ta’u, warri tokko tokkoo haadha manaa abbootaa (Liyaa irraa kan hafee) gargaarsa Waaqayyoon ulfaa’uu dhiisuu isaaniiti. Dabalataanis tokkoon isaanii iyyuu ijoollee angafaa abdii isaa hin dhaalle. Waaqayyo argisiisaa kan jiru inni akka gaaffatuu dha!

Saaraa, akka Abirahaam, walmakaa sodaa fi amantii turte. Isheen Abirahaamiif tajaajiltuu ishee kennite, dabalataanis isheen abdii Waaqayyo irratti kolfite (Uma. 18:12).

**11:12 “Baayinni isaanii akka urjii waaqa irra akka ciracha galaanaa hin lakkaa’amne daangaa galaanaa kan turan”** kun kan Waaqayyoo Abirahaamiif, Yisi’aaqii fi Yaaqoob kan kennee kutaa

abdiiti (Uma. 15:5, 22:17, 32:12). Haadha manoota hundumaaf (Liyaa irraa kan hafee) dhabduu ta'uu isaanii yaadadha.

▣ **"Abdii kan kennee kan amaname akka ta'e waan beelamteef,"** isheen kan isheen goote abdii Waaqayyoo irratti hundoofteeti, haala yeroo osoo hin taane. Gaaleen isaa 10:23 (6:17-18) wajjin wal fakkaataa dha. Dubbiftootni bifa kanaan akka godhan.

## IBROOTA:11:13-16

**13Jarreen kun isa abdachiifaman yoo hin fudhanne ta'an iyyuu, amantii isaanii utuu hin dhiisin du'an, garuu isa abdachiifaman fagootti ilaalanii simachuudhaaf itti gammadaniiru, biyya lafaa kana irrattis ormaa fi kara adeemtuu akka turan beekaniiru, 14Namoonni wanta akkasii beeksisan biyya ofii isaanii yaadaa akka jiran in argisiisu. 15Biyya isa keessaa ba'an sana in yaadu utuu ta'anii, itti deebi'uuf fucha in argatu turan. 16Amma garuu isaan biyya is asana irra wayyu hawwaan in yaadu, innis isa waaqa irraa ti; kanaafis Waaqayyo, inni achitti mandara isaaniif qopheesse, Waaqayyo isaanii jedhamee waamamuuf hin yeella'u.**

**11:13 "Isaan kun hundumtuu amananii du'an, kan isaanii kenname sagalee abdii waan hin arganneef,"** kun tuqaa ol aanaa madaalchiisuuti, kan kakuu moofaa namoota amantii, boqonnaa 11 irratti Yihuudii amanaa fudhatoota wajjin "gara booddeetti deebi'uu" irra kan jiran (10:38, dabalataanis 2Phex. 2:20-22).

▣ **"Duubeessa isaa garuu ni argan…. Gadi jedhaniifis….. ni amananis"** hima wal cinaa sadan ibsan hubadhaa!

▣ **"Biyya lafattis keessummaa fi kara darbaa akka ta'an"** akkuma jirutti, orma jiraatoota akka lammiitti mirga hin qaban (LXX Uma. 23:4, Faru. 39:12, Fil. 3:20, !Phex. 2:11). Dhugaa foonii, isa dhugaa dhugaa hafuuraa miti. Biyyi lafaa kun mana isaanii hin ture.

**11:15"Akka"** kun ramaddii lammaffaa hima haalaa ti, "dhugaa wajjin kan wal faalleessu" jedhame kan waamamu. Ba'aaniiru, gara booddeeti hin deebi'an!

**11:16** dhugaan sirriin kan hafuuraati, fakkiduu magaalaa samii irraatti akka mul'ate, kan ijaaree fi hojjete Waaqayyoon kan ta'e (11:10). Waaqayyoo amanachuu fi amantiif deebii ni laata (2:11, 11:2, 39, 13:14). "Biyya" fi "Magaalaa" (Lak. 10) akka barumsa hafuuraatti wal cinaa dha, Waaqayyoof akka bakka mul'ataniitti, ijoollee amantii isaatiif!

## NASB BARREEFAMA: 11:17-22

**17Abirahaam yeroo ilaalamuuf qorametti, amantiidhaan Yisihaqiin aarsaadhaaf dhi'eesse; isuma deddeebi'ee abdii argate sanatus ilma isaa isa tokkicha aarsaa dhi'eessuuf qophaa'e. 18Ilmi isaas, isa, "Yisihaqiin sanyiin siif in lakkaa'ama" jedhame itti dubbatamee turee dha. 19Waaqayyo warra du'an keessaa iyyuu nama kaasuu akka dandau, Abirahaam yaada irra kaa'atee ture; ammas fakkeenya kanaatiin ilma isaa warra du'an keessaa deebisee akka argatetti in lakkaa'ama. 20Yisihaaq amantiidhaan wanta gara fuulduraatti ta'uuf jiru dubbatee, Yaaqoobiin, Esaawuus eebbise. 21Yaaqoob yeroo du'uuf jedheetti mataa dhaabbata isaatiitti hirkatee, guguuggfee utuu sagaduu, amantiidhaan ilmaan Yosef adduma addaan eebbise. 22Yooseef dhuma jireenya isaa jala, sabni Israa'eel akka achii ba'an amantiidhaan yaadatee dubbate, waa'ee awwaala lafee isaatiis isaanitti himate.**

**11:17 "Yeroo qorameetti"** inni tokkoo Uma. 22:1 Mat. 6:13 fi Yaaq. 1:13-14 wajjin yeroo wal dorgomu, dhiibbaa wanta fakkaatuutu jiraata. Ta'us, Girikiin jechootni lama jiru, "qorumsa", hiikoota

adda addaan. Inni tokkoo badiisaaf qoramuu isaati (*peirazo*) fi kan biraan qajeelaa ta'uu fi jabaachuudhaaf ilaalchi inni qabu qoramu ta'ee dha (*dokimazo*). Mata-duree addaa ilaali 2:18 irratti.

Waaqayyoo ijoollee isaaf carraa nii laata, amantii isaanii akka mul'isanii fi akka guddisan (Uma. 22:1, Bau. 15:25, 16:4, 20:20, Kes. 8:2, 16, 13:3, Abo. 2:22, 2Sen. 32:31). Qormaatootni dhagaa gufannaa tokko illee yookaan kan sadarkaa (kan ittiin ol ba'aan) dhagaa ta'u.

▣ **"Mucaa isaa isa tokkicha dhi'eesse"** sadarkaan amantii Abirahaam eyyama isaa irratti ni argama, Waaqayyoof deebise kennuun isaa, waggaa kudha sadiif kan eegee mucaa kakuu (Yaaqoob 2:21).

Kan monogenes ("mucaa qofaa") fayyadamni Yisihaaq wajjin kan wal qabate "mucaa qofaa" ta'uu hin danda'u, ijoolleen Abirahaam hanga jiraniiti. Inni dhugumatti kan inni ta'u "mucaa kakuu, "mucaa adda ba'e." Kunis immoo Yoha. 3:16 hiika dha.

**11:18** kun kan Uma. 21:12 kan eeruu dha, innis qorumsaan dura kan ba'u!

**11:19 "Namoota warra du'aan keessaa yeroo baasuu"** Abirahaam, Yisihaaq isaa wajjin akka deebi'uu abdii godhatee ture (Uma. 22:5). Barreefamichi kun akkamitti akka ta'u hin ibsine. Warri Ibiroota kan isaan mirkanneessan du'aa ka'uu abdii akka godhatee dha.

▣ **"Akka gosaatti"** barreessichi kakuu moofaa fayyadameera, haala tibbichaaf akka gaaddidu (9:9, 10:1, 11:19). Asitti gosi isaa kan inni fakkaatu, Abirahaam mucaa abdii isaati akka dhi'eesse, jaalala isaaf, araara isaaf, ayyaana isaaf labsii!

**11:20** eebbifamuu ijoollee Yisihaaq 27:27 irratti yeroo argamu, kan Yaaqoob eebbii jalqabaa Uma. 48:14 irratti argama, kan ijoollee Yooseef, booda irrattis eebba lammaffaa Uma. 49 irratti argama, ijoollee isaa kan biroo. Yeroo tokkoo eebba kenname hin balleefamu. Kanas barreessichi akkamitti seenaa kakuu moofaa akka itti fayyadame fakkeenya argisiisuu dha, karaa fillatameen (akka kitaaba seena baraa). Inni kallatti sirrii isaa qofa dha kan inni eere.

**11:21 "Fiixee dhaabbata isaatti hirkate"** kun septuwajentii Uma. 47:31 kan eeramee dha. Barreefamni Masooratikii warra Ibirootaa "fiixee mataa sirree jalatti sagade" kan jedhu qaba. Jechi Ibirootaa "siree" fi "dhadhaabbata " dubbifama wal fakkaataa Ibirootaa qabu, (mth), dubbifamaa dhumaa qofadha garaagarummaa isaa kan argisiisu. Akka haala barreefama kakuu moofaatti Yaaqoob abjuun Yooseef raawwatamuu isaa beekeera (Uma. 37:5-11), asumanis aangoo mootummaa Yooseef, raajiin yookaan beekamtii kennuudhaan, Yooseef saba isaaf "fayyisaa" akka ta'e, Musee fi Iyyaasuun akkasumas Masihii dhufuu akka ta'an.

**11:22 "Waa'ee lafee isaas isaan aboome"** isaan Gibxii fuudhanii ba'ani biyyatti abdiitti akka awwaalanii dha, ba'uu booda (Uma. 50:24-25, Bau. 13:19, Iaya. 24:32).

## IBROOTA: 11:23-29

**23Yeroo Museen dhalate, abbaan isaa fi haati isaa mucichi akka nama gammachiisu waan arganiif, amantiidhaan ji'a sadii isa doksan; isaan ajaja mootichaas hin sodaanne. 24Museen yeroo guddate amantiidhaan ilma intala Fara'oon jedhamee waamamuu dide. 25Yeroo gabaabduudhaaf cubbuu keessa jiraatee gammaduu irra, saba Waaqayyoo wajjin rakkina jala jiraachuu fo'ate. 26Inni ija isaa gatii isaa isa booddee irra waan kaa'ateef, sooruma Gibxii hundumaa irra, sababii Kristoosiif arrabsoo baachuu badhadhummaa isa caalutti lakkaa'ate. 27Inni amantiidhaan dheekkamsa mootichaa utuu hin sodaatin biyya Gibxii ba'e, isa ijaan hin argamne akka waan arguuttis yaada isaatti jabaate. 28Inni amantiidhaan Faasiikaan akka ayyaaneffamu godhe, ergaan inni angafa kan ta'e hundumaa fixu sun akka isaanitti hin buuneetti, dhiigicha balbalatti dibsiise. 29Sabni Israa'el amantiidhaan akka anama lafa gogaa irra**

**adeemuutti galaana diimaa ce'an; warri Gibxii akkuma isaani gochuu yeroo yaalanitti garuu in liqimfaman.**

**11:23 "Maatiin isaa"** Septuwajentiin "maatii isaa" jedhe, barreefamni Masooratikii Ibirootaa "haadha" qofa yeroo qabaatu.

◘ **"Mucaa bareedaa ta'uu isaa hubatanii"** aadaan Yihuudii akka jedhuutti, Musee, qaamni isaa mucaa bareede akka turee dha. Mucichi mucaa bareedaa ta'uun isaa kan hin yaadne maatii akkamiiti? Ta'us garuu kun tuqaa barumsa hafuuraa miti. Kun adda kan ta'e, mucaa Waaqayyo erge dha.

◘ **"Labsii mootichaa hin sodaanne"** barreessichi gaalee kana kan inni eeree ilaalcha dubbiftoota yeroo sanaatti dha (lak. 27).

**11:24 "Mucaa mucaa Farihoon"** kun abbaa taayiitaa Gibxii mul'inatti kan ittiin waamamuu fi aankii dha.

**11:25-26** irra deebinis dubbiftoota qormaata isaan mudate wajjin wal qabsiisa. Isaan gara fuulduraatti, kan mirkaneefamee abdii Waaqayyoo ija isaanii irra kaa'uu isaan irra jiraata, haala yeroo irra osoo hin taane. Kristoosiif amanamaa ta'uun galma isa dhumaati!

**11:27 "Gibxiin dhiise"** kun, Museen gara Midiyaanitti yeroo baqate argisiisa, ba'uu osoo hin taane (Bau. 2:14-15). Barreessaan irra deebiin fakkii barbaachiisaa kaasaa, waa'ee kaayyoo Musee.

◘ **"Kan hin mul'anne akka inni arguu godhee"** warri Israa'eel kan isaan amanan Yaahiwwee arguun du'a fida, qulqullummaa isaa irraa kan ka'e (Uma. 16:13, 32:30, Bau. 3:6, 33:17-23, Abo. 6:22, 1Mot. 19:11-13, HoE. 7:32).

**11:28** kun Bau 12 kan eeruudha. Dha'ichi dhumaa kun guutummaa Gibxi tuqeera, lafa Geesemis dabalate. Warri Ibirootaa illee abboommii Waaqayyo akka kabajanii fi amantiidhaan akka hojjetan ta'eera, ergamaa du'aa jalaa ba'uuf.

◘ **"Angafa"** mata duree addaa 1:6 ilaali.

◘ **"Inni balleessuu"** ergamaan kun du'a argisiisa (LXX, BAu 12:23, 2Sam. 24:16-17).

**11:29** kun Ba'uu 14:21 irratti jecha argamu kan guduunfuu dha.

## IBROOTA11:30-31

**30 Warri Israa'el amantiidhaan Yerikoo marsanii, guyyaa torbaaf erga itti naanna'anii boodddee, masaraan isaa ni jige. 31Rahaab ejjituun warra gaadduu sana nagaadhaan waan simteef, amantiidhaan oolte malee, warra abboomamuu didanii wajjin hin balleefamne.**

**11:30 "Iyaarikoon kufe"** (Iya. 6:20, 2Qor. 10:4)

**11:31 "Raahab ishee ejjituu"** Kana'aanittiin kun amantuu taatee (Yaaqoob. 2:25). Akkasumas isheen Masihiidhaan hundee sanyii eeru dandeesse, Mat. 1:5.

## IBROOTA: 11:32-38

**32Kana caalaas dubbachuu na barbaachiisaaree? Waa'ee Gidewoon, Baaraaq, Simson, Yiftaa, Daawit, Samu'el akkasumas waa'ee raajootaa isinitti odeessuuf immoo yeroon ana hin ga'u. 33Isaan keessaa kaan amantiidhaan mootummoota mo'anii, kaan waan qajeelaa hojii irra oolchanii, abdii argatanii, kaanis afaan leencotaa cufaniiru. 34Kaanis ibidda olotu dhaamsanii,**

**qara billaa jalaa ba'anii, dadhabbii keessaa jabina argatanii, lolatti jaboo ta'anii, loltuu warra ormaas baqachiisaniiru. 35Dubartoonni namoota isaani warra duraa du'an, du'aa kaafamaniif deebisanii fudhataniiru. Warri kaanis jireenya isa wayyuuf du'aa akka ka'aniif, gad dhiifamuu didanii harka warra isaan dhiphisaniitti dhiphatanii du'an. 36Warri kaan ga'oof ta'an, in reebaman, funyoo sibiilaatiin iyyuu hidhamanii, mana hidhaattiin galfaman. 37Dhagaadhaan in rukutaman, iddoo lamatti in baqaqfaman, billaadhaan in ajjeefaman, gogaa hoolotaa yookiis re'ootaa uffatanii asii fi achi in deddeebifaman, waaan isaan barbaachisu in dhaban, in rakkifaman, in miidhaman. 38 Biyyi lafaa warra akkasiif kan hin malle ture; amma garuu isaan biyya lafaa kanaaf kan hin malleetti lakka'amanii, lafa duwwaa fi tulloota irra in jooraan, holqaa fi boolla lafaa keessa jiraatan.**

**11:32 "Gediwon"** (Abo. 6-8)

▣ **"Baarqii "** (Abo. 4-5)

▣ **"Yooftaahe"** (Abo. 11-12)

▣ **"Daawit"** (1Sam. 16:1)

▣ **"Saamu'el"** (1Sam. 1:20)

**11:33 "Tola"** mata-duree addaa 1:9 irratti ilaali.

▣ **"Humna abiddaa balleessan"** abidda irraa hafuun kun keessaa iyyu Daani'el 3 kan argisiisu ta'a, yookaan kan biraa kan hin beekamne ta'ii seenaa. Fayyuun kun 1Qor. 13:3 irratti eerameera. Ta'us, barreefamni harkaa Girikii rakkoo qaba, 1Qor. 13:3 wajjin kan wal qabate. Barreefamni harkaa Girikii durii P[46], ℵ, A fi B "kan ittiin of jaju" jedheen, (*kauches0mai)* yookaan C, D, F, G, K, fi L "yoo gubate illee" (*kauthesomai*) kan jedhu jedheen. Kan jalqabaa (1) barreefama harkaa fooyya'e(2)sagalichi yeroo hundumaa Phaawuloosiin faayidaa irra olluun isaa.

▣ **"Dadhabbii isaani irraa jaabatan"** (2Qor. 12:9)

**1:35 "Dubartootni du'uu isaanii du'aa ka'uudhaan fudhatan"** akkaata dubbii barumsa hafuuraati kun du'aa ka'uu miti, ta'us garuu du'aa ka'uu malee (1Mot. 17:17-23, 2Mot. 4:31-37). Du'aa ka'uu tokko qofaa dha kan ture, innis qaama bara baraa kan ta'e Yesus.

▣

**NASB, NKJV**
**NRSV** **"du'aa ka'uu fooyya'aa"**
**TEV, NJB** **"jireenya fooyya'e"**

Waabiin isaa du'a kitimamtootaa ul'finaa fi mo'icha. Karoora Waaqayyoon iciiti ta'uu isaa fi eyyama, kanaaf biyyi lafaa kufe, tokko tokkoo fooniin deebi'aniiru (jechuunis, "dubartooni du'oo isaanii du'aa ka'uudhaan fudhatan") kanaaf tokko tokkoo hin deebine. Kan jalqabaa guddaa fi ajaa'ibsiisaa dha, inni lammaffaan garuu dhuga-baatii guddaa cimaa dha, amantii amma dhumatti ta'e.

Kun badhaasa amantii wajjin wal qabachuu danda'a, ta'us garuu furtuun isaa wanta isa guddaa dha, haala inni tokkoo du'uu utuu hin taane. Amantootni kan hojjeetaman amantii isaaniittin ifatti akka jiraatan (Yaahiwwee fi Yesus). Mo'ichi amanamummaa isaaniti! Yaahiwween abdii isaaf amanamaa dha, Yesus gocha isaaf amanamaa dha, amantootni amanamoo ta'uutu isaan irra jiraata, tarkaanfii amantii isaaniitiin. Kan "kan fooyya'e" 7:7 irratti yaadannoo ilaali.

**11:36 "Gahoof ta'uu fi reebamuun"** kun waabii ta'uu danda'auu dha, yeroo Maqabiyaaniti (1Maq. 1:62-64, 7:34, 2MAqa. 6:18-20, 7:-42).

**11:37 "Dhagaadhaan rukkutaman"** aadaa kan jedhu, Ermiyaas Gibxi irratti Yihudiitti dhagaadhaan akka rukkuamee dha. Luba (barreessaa kakuu moofaa osoo hin taane) Zakkariyas kan jedhamu dhagaadhaan rukkutamuu isaa teesiseera 2Sen. 24:20-21, Luq. 11:51.

▣ **"Magaaziidhaan baqafaman"** aadaa (ol-ba'uu Isaayaas 5:1-14) akka jedhu Isaayaas jirmaa banaa keessa ka'aamee magaaziidhaan baqaqfameera, ajaja Minaaseetiin.

▣ **"Ni qoraman"** kunis irra caalmaan isaa labsii walii gala fakkaata, labsiiwwan murtaa'aan baay'ee keessaa, kan ari'atamuu fi dhiphachuu. Bareefama Paapiresi durii P[46] gaalicha irraa hir'isa. Taarreesitootni barreefamaan kan isaan tilmaaman, gaalee wal qabataa "magaaziidhaan baqafaman" (*epristhesan*) kan jedhu amma ta'ee jirutti inni gaalee kanaa wajjin baay'ee wal fakkaata "ni qoraman" (*epeirasthean*), sun barreessaa kan ga'u ta'a, duraan dursee aadaa barrefama kan ta'e. barreefama Girikiin garaagarummaan baay'een ni jiraatu (duraa duuba jechaa, yeroo jechaa). Unitidi Bible sosayiti maxansa afraffaa barreefamni Girikii gaalee isaa irra hir'isa.

▣ **"Billaadhaan ajjeefamani du'an"** (jechuun, 1Mot. 19:10, 14, Erm. 2:30, 26:23).

**11:38** kun kan inni eeru duuka buutonni Waaqayyo seenaa hari'atamaa hamaa dha. Dubbiftooni yeroo rakkina isaanitti maaliif ajaa'ibsifamu?

## IBROOTA: 11:39-40

**39Isaan kun hundinuu amantii isaaniitiif yoo dhugaa ba'ameef iyyuu, isa abdachiifame sana hin arganne. 40Waaqayyo duraan dursee wanta wayyu argee waan nuuf qopheesseef, isaan nuu wajjin malee kophaa isaanii fiixaan akka hin bane godhe.**

**11:39 "Dhuga-baatii argatan"** kun deebi'ee kan inni wal qabatu lak. 2 (2:11) wajjin. Jireenya amantiidhaan ta'e, haala sodaachisaa keessatti illee yoo ta'e, Waaqayyo nama gammachiisa.

**11:40** Abdiin Waaqayyo baraa baraatti, sanyii sanyiin, sadarkaa dinaagdee hawaasaan, sadarkaa barnootaa kan qaban amantoota hundumaa tokko isaan godha (Gal. 3:28, Qol. 3:11). Isaan kun hundumtuu namoota kakuu moofaa Waaqayyo guyyaa haaraa gara fuulduraatti in ilaalu turan. Innis Kristoosiin gara Betehelem dhufe, kanaaf Kristoosiin dhufa, karaa samii bahaatiin waaqa humnaan raasee! Du'aa ka'uuu isaan amantootni hunduu abdii kan godhatan dha, kakuu moofaa fi kakuu haaraa, amantiidhaan qajeelchanii kan ilaalan (1Yoh. 3:2).

▣ **"Kan fooyya'e"** 7:7 irratti kan jiru yaadannoo guutuu ilaali.

▣ **"Guutuu"** 10:1 irratti kan jiru yaadannoo guutuu ilaali.

**GAAFFILEE MAREE**

Qajelfamni qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta'u, sana jechuunis garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaatti hiikuun itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. tokkoon tokkoon keenya ifa nu kennameen adeemuutu nurra jiraata. Hiktoonni jalqabaa si, kitaaba qulqulluu fi hafuura qulqulluu dha. Kanas deebiftee kan hiike irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Gaaffileen maree kun kan kennamana kutaa kitaaba kanaa dhimmoota gurguddaa akka ta'utti akka qayyaabatu akka si gargaaruuf. Kana jechuunis akka ta'utti akka xiinxaltu si kakaasuuf malee kana qofaan akka daangooftu miti.

1. Kan Ibirootaa fi kan Girikii amantii jecha jedhu ibsi.
2. *fiat* fi *ex nihilo* jechoonni jedhan maalii dhaa?
3. Waaqayyo amantoota ni qoraa (11:17 yookaan Yaaqob 1:13-14)?
4. Ari'atamuuf ulfina adda ta'e qabaataa? Kristaanoonni hunduu rakkina ni fudhatuu?
5. Barreessitootni Ibirootaa kana kan amantii waamicha barbaachiisaa maaliif barreesse?

# IBIROOTA 12
# HIIKAWWAN HAARAAWA RAMADDIWWAN KEEYATAA

| UBS[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Dheekkamsa Kan gooftaa | Wal dorgommi amanti | Yaadachisaa fi akeekkachiisa | Waaqayyoo abbaa keenya | Fakkeenyawwan Kiristoos |
| 12:1-3 | 12:1-2 | 12:1-2 | 12:1-2 | 12:1-4 |
| | Dheekkamsa Kan Waaqayyoo 12:3-11 | 12:3-11 | 12:3-11 | |
| 12:4-11 | | | | Yaadachiisa abbumaa kan Waaqayyo 12:5-13 |
| 12:12-13 | 12:12-17 | 12:12-13 | 12:12-13 | |
| Ayyaana Waaqayyo tuffachuuf akeekkachiisa 12:14-17 | | 12:14-17 | 12:14-17 | Amanamu dhabuun adabame 12:14-17 |
| | Hiriyaa abbaa simboo 12:18-24 | | | Kakuuwwan lamman 12:18-29 |
| 12:18-24 | | 12:18-24 | 12:18-21 | |
| | Sagalee waaqa irraa dhageeffadha 12:25-29 | | 12:22-24 | |
| 12:25-29 | | 12:25-29 | 12:25-27 | |
| | | | 12:28-29 | |

**MARSAA DUBBIFAMAA SADAFFAA (fuula vii ilaali kutaa seensaa irratti)**
YAADA BARREESSAA JALQABAA SADARKAA KEEYATAATIIN HORDOFUU

Qajeelmani qayyabannaa hiika yeroo ta'u, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu ofii keeti yeroo hiiktu itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kenameen deddeebi'uutu nurra jira. Hiiktooni jalqabaa si, kitaaba qulqulluu fi hafuura qulqulluudha. Kanaas deebifte kan hiike irratti jechama kan biraan akka hin fudhanne.

Boqonnicha yeroo tokko dubbissi. Yaada-ijoowwan irratti. (ramaddii dubbifama lak. 3 fuula viii). Yaada-ijoo kee ramaddiiwwan gara olitti tarreefaman hiika shanan wajjin wal bira qabi. Ibsi guutuun keeyaticha irratti argamuu yoo baatees hiiki yaada barreessicha jalqabaa ta'e inni guddaan irratti ni argama. Tokkoon tokkoon keeyataa yaada ijoo tokkoo fi tokko qofa qabateera.

5. Keeyata tokkoffaa
6. Keeyata lammaffaa
7. Keeyata sadaffaa
8. K.K.f…

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

## IBROOTA:12:1-2

**1Egaa nuyi dhuga-baatota akka duumessaa lafa naannoo keenyaa qabna; kanaafis kottaa wanta ba'aa nutty ta'u hundumaa, cubbuu isa nutty qabates of irraa fuunee, dorgomee isa nu dura jiru obsaan dandeenyee in fiignaa! 2Yesus isa amanti keenya jalqabee fiixaan baasu sanatti ija hin buqqifannu. Inni gammachuu fuula isaa dura jiru sanaaf jedhee, fannoo irratti du'uu isaatiif yeelloo isa irra ga'e homaatti utuu hin lakkaa'in, obsaan fannoo irratti du'uu in danda'e; ergasiis gara mirga teessoo Waaqayyoo taa'e.**

**12:1 “Kanaaf”** lak. 1 kan hin baratamne wal makaa kutaa sadiiti (*toigaroun) asii* fi 1Tas. 4:8 irra qofatti kan argamu. Duraan kan jiran fakkeenyaawwan amanamummaa irratti hundaa’uudhaan, dubbiiftootni jireenya gaarii akka jiraatanii dha, kan biroo kan gargaaruu fi kan jajjabeessu.

▣ **“Duumessa”** “duumessa” yeroo hundaa faayidaa irra kan oolu fakkiiduun og-barruu Girikiin namootaaf michoota (Herodutis VIII. 109).

▣ **“Dhuga-baatoota”** jechi kun ta’uu kan inni danda’u

1. Dhuga-batootni seeraa mana murtiitti
2. Kan argan, kan beekan, yookaan kan shaakalan kan biroof namoota qoodan
3. Sababa Kristoositti amantii qabaniif kan ajjeefaman (kitimamtoota) namoota ta’an
4. Ibsa fakkiduutiin fakkeenyawwan amanti, boqonnaa 11 irratti

Boqonnaa 11 haala qabiyyee barreefamaa irraan kan ka’e inni kan fooyya’ee kan fakkaatu, lak. Kana ilaaluun kan danda’mu, “isaan” akka ilaalaan kan jedhu barsiisuuf miti, ta’us garuu nu amanamummaa jireenya isaanii akka ilaaluu dha malee, akka fakkeenya ittii aanuu (NASB qayyabannaa kiitaba qulqulluu, fuula 1798). Lakkoofsi kun faayidaa irra kan inni oolu , ani akkan yaaduutti, wal dha’eeti, kan nu jaallannu warra du’an samii irraa taa’aanii jireenya keenya lafa irraa ilaalu kan jedhu ilaalcha cimsuudhaaf. Amantootni dhugumatti wali walii isaanii ni beeku, dabalataanis gara tokkummaatti dhufu, guyyaa du’aa ka’uutti, ta’us garuu kitaabni qulqulluun du’aa wajjin lamaffaa waa’ee wal arguu isaati kan inni jedhe hin jiru, yookaan lafa irra kan jiran jaallatamoo isaanii jireenya isaani argu dhabuu isaaniin.

Kitaabni yaadannoo ergaa Ibirootaa Elingiworzi fi Niidaa, Yunaaitidi Bible sosayiti, faallaa hiikaa godha, “ilaalchi isaa gootota kakuu moofaa ilaalu, barreessaan Ibirootaa fi dubbiftootni isaa, akkamitti wal dorgommii isaanii akka fiigaan, jireenya kristaanummaatiin, fayyina ofi isaanii kristaanoota wajjin waan wal qabatuuf (11.40)” (fuula 287)).

▣ **“Egaa nuu”** kun kan inni hiikame akka haala ibsuutti, ta’us garuu gochamni jalqabaa amma gocha ammaa keeyata Booz dha. Haalicha kan ibsu hanga “haa fiignu” jedhutti hin raawwatamu.

Amantootni gochuun kan isaan irra jiraatu dhuga-baatoota amanamoo kakuu moofaan hubadhaa.

1. Ba’aa hundumaa dhabamsiisuu, lak. 1
2. Cubbuu hundumaa dhabamsiisu, dafee kan gala galu, lak. 1
3. Fiigichicha obsaan fiigu, lak. 1
4. Ija keenya Yesus irra kaa’uu, lak. 2

▣ **“Gara cinaatti dhabamsiisu”** gochi kun keeyata giddu galeessaa Booz yeroo ta’uu hiikni isaas “akka uffataatti gara cinaatti gochu” dha (HoE. 7:58). Kun bifa seer-lugaa kan ilaalatu matayyummaa (sagalee giddu galeessa), murteessaa (jechuun, kan yeroo gochaa) murtoo dha. ta’es, Phaawulos jecha isaa kan itti fayyadamu fakkiduu dhaan, bifa namuusaan (Rom. 13:12, Efe. 4:22, 25, Qol. 3:8-9 fi “uffachuu” Efe. 4:24, Qol. 3:10, 12:14). Kristaanoonnii fayyina isaanii bilisaa damaqinaan keessa galchuutu irra jiraata (Fil. 2:12-13). Kan isaan dorgoman fiigichi jira, dhuga baatiin kan itti kennamuu jira, lolli lolamu jira (Fil. 3:12-14)!

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **“ba’aa hundumaa”** |
| **NKJV, NRSV** | **“ba’aa hundumaa”** |
| **TEV** | **“karaa irra waan jiru hundumaa”** |
| **NJB** | **“ba’aadhaan kan nu goobeesse hundumaa”** |

Jechi kun akkuma jirutti "furdina" yookaan "ulfaatina" dha. Waldorgomii Atileetiksi Girikiiti hirmaachaa kan turan, qullaa isaanii bifa jedhuun turan fiigaa kan turan. Innis faayidaa irra kan inni oolu

1. Akkuma jiruutti furdina qaamaaf
2. Shaakalli ulfaatinaa Atileetiksi
3. Fakkiduudhaan og-barruu Girikiin akka boonsuutti
4. Fillisxeemitti akka "gaariiti" of-eegachuu akka "kan fooyya'e" diina

▣ **"Cubbuu"** kun tokko argisiisuu kan inni danda'u (1)uumama cubbuu, (2)cubbuu itti fufiinsa qabu, (3)amanuu dhiisuu, yookaan (4)kun adda kan ta'ee qabiyyee barreefamaa hiika dabalataa kena "gara boodeeti deebi'uu" (10:38). Ergaan kun/kitaaba/lallaba kan ergameef Yihudii amanaa fi kan hin amanneef.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"akka salphaatti walitti kan nu hidhu"** |
| **NKJV** | **"akka salphaatti walitti kan nu hidhu"** |
| **NRSV, NJB** | **"karaa irra waan jiru hundumaa"** |
| **TEV** | **"ba'aadhaan kan nu guguufsisee hundumaa"** |

Kan durii barreefama Paapireesi $P^{46}$ "akka salphaatti kan nu jeequ" jedheen. Kun waabiin isaa waan kami iyyuu ta'uu danda'a, amanaa fiigicha jireenya irraa kan guffachiisu. Innis cubbuu irra deddeebi'ame ta'u danda'a, fedhii madaallii isaa irraa kaatee, yookaan kan baay'ee wanta gaarii argachuu _ waan kamii iyyuu, dagachuu kan isaanitti uumuu, Waaqayyoo kan isaanii kennee fi kan isaan waamee .

▣ **"Fiigicha"** kun kan gocha yeroo ammaa ibsuu yeroo ta'u innis waa'ee isa itti fufiinsa qabu dubbata, garuu yaadannoon ta'u qabu. Kun dhugumatti ni mudata, of-eeggachiissawwan afran keessaa xiyyaafannoo wali gala wajjin, amanaan Yihudii kan ajajaman, isaaniis Kristoosii irraa fi wangeela irraa "gara boodaatti kan deebi'an."

▣ **"Obsaan"** boqonnaan kun "obsuu" jecha jedhu ibsa barsiisootaa ta'uu ni danda'a, (maqaa, 10:32, 36), hiiki isaas "fedhii irratti kan ta'e, cimaa (gocha), obsa (kan gocha) jabina dha." lak. 2, 3 fi 7 irratti kan jiru, maqaan isaa lak. 1 irratti. kun ergaa kitaabaati, keessaa iyyuu isaan kan dhumaa boqonnaan muraasni __ as kan jiran!

▣ **"Waldorgomii"** kun jecha Girikii *agôna* yoo ta'u jecha Atiletiksi ta'ee hiiki isaa Ingillifaa "agony" kan argate as irraati. Innis yeroo hundumaa faayidaa irra kan inni oolu adeemsa waldorgomii teessisuuf.

▣ **"Fuula keenya kan jiru"** kun kan gocha yeroo ammaa (mirkaneessaa) keeyata Booz dha. jireenya kristaanummaa guyyaa guyyaatti amalli isaa akka Atiletiksi wal dorgomii dha (1Qor. 9:25, Fil. 1:30, 2Xim. 2:5, wal dorgomii, 1Qor. 9:24, 26, Gal. 2:2, 5:7, Fil. 2:16, Buxi, 1Qor. 9:26, 1Xim. 1:18, 6:12, 2Xim. 4:7, wal'aansoo, Efe. 6:12).

**12:2 "Yesuusiin ilaallee"** kun kan gocha yeroo amma keeyata Booz yeroo ta'u hiikni isaas "xiyyafatanii ilaaluu" dha. Isa akka ilaallu hubadhaa__ namoota osoo hin taane, haaloota osoo hin taane, ofi keenya osoo hin taane. Kun fakkiiduu ta'uu danda'a, kakuu haaraa (wangeela) irratti jabaate argisiisuu.

▣

| | |
|---|---|
| **NASB** | **"amantii kan jalqabee fi kan raawwate"** |
| **NKJV** | **"amantii keenyaa kan jalqabee fi kan raawwate"** |
| **NRSV** | **"kan amanti keenyaa falmatuu fi raawwataa"** |
| **TEV** | **"amantii keenyaa isaan kan ta'eef, jalqabaa hanga dhumaa"** |
| **NJB** | **"amantiidhaan kan nu dhaabee fi gara dhumaatti kan fiduu"** |

Kun jecha jalqabaa (*archêgos)* faayidaa irra kan oole 2:10 irratti dha, Yesuusiif akka jalqabaa amantii, HoE. 3:15 irratti Yesus mataa jireenyaa (kan jalqabe) dha HoE. 5:31 Yesus mataa (geggeessaa) fi fayyisaa dha. Mata-duree addaa 2:10 irratti ilaali.

Sagaleen lammaffaa (*teleiôt*'*s*) jechuun "inni tokkoo kan raawwatee fi kan xumure" dha. Innis kan inni eeru raawwii wali gala Yesuusi dha, Waaqayyoo kan inni kenne raawwi furu. Innis Alfaadhaa fi Omeegaa akka jedhu waamama kan qabu dha (Mul. 1:8), kan jalqabaa fi dhuma (Mul. 1:17, 2:8). Barreessaan kun kan "raawwachuu" yaad-rimee kitaaba irratti yeroo baay'ee fayyadameera (2:10, 5:9, 6:1, dha, 7:11, 19, 28, 9:9, 10:1, 14, 11:40, fi asiitti). Mata-duree 7:11 irratti ilaali.

▣ **"Amantii"** pistis argisiisuu kan danda'u

1. Walitti dhufiinsa amantii dhuunfaa, Kristoos wajjin
2. Kan amaname Kristoosiin jireenya fakkaachu
3. Doktriinii Kristoos (Yih. Lak. 3, 20)

Kiristanummaan nama nagaadhaan simachuu dha, namni sun kan itti amanuu dhugaa (wangeela), fi namni sun akka jireenya jiraate jiraachuu dha (jechuun Kristoosiin fakkaachuu)

▣ **"Waa'ee gammachuu"** bakka maqaa anti hiiki isaa baratame "sababa isaaf," ta'us garu dabalataan ta'uu kan danda'u "bakka isaa" dha. kan fuulduraa kan inni argisiisu Kristoos samii dhiisuu isaati (Fil. 2:5-11), inni lammaffaan gammachuu isaati, kan xumuramee oolchuu fi ol- ba'uu (Isa. 53:10-12).

▣ **"waan jedheef"** jechi kun lakk. 1 irratti ni mul'ata, wal'aansoo isaa (wal dorgommii isaa) ilaaluudhaan, jireenya kristaanaa . Egaa sagaleen isaa irra deebiin faayiidaa irra kan inni oolu, Yesus nuuf jireenya isaa nuuf kennuun qabsoo inni godhee dha. Kun barreessichaaf karaa dha, Yihudii amanaan akka obsan kan ittiin yaadachiisu. Yesuus ga'ee isaa ba'eera, isaanis kan ofii isaanii gochuu isaan irra jiraata. Inni yeroo fixuu gammachuun guddaan ta'eera, akkasumas immoo ni ta'aa isaan yeroo isaan xumuran.

▣ **"Fannoo"** yeroo Yesuusitti kan turan barsiisootni kana kan isaan ilaalan Waaqayyoon akka abaarsaati, Kes. 21:23 sababa akkaata hiika isaanitti. Phaawulos kan inni jedhu, Yesus abaarsa seeraa kana kan inni baate nuuf jedheeti dha (Gal. 3:13).

▣ **"Yeelloo tuffatee"** faannoo ragaa qabatamaa dha, abbaadhaa fi ilmaaf jaalala (Yoh. 3:16 fi Rom. 5:8). Kun cimaa jecha Girikiiti. Yesus kan qaanii isaa bu'aa kabajee ilaaleera (Isa. 53:10-12). Fannoon salphaa hin ture, gatiin furuu rakasa miti!

▣ **"Ta'eera"** gochi xumurame kun kan argisiisu yeroo ta'u xiyyaafannoo kan inni kennu gocha xumuramee dha, bu'aa hojjeechisaa. Kun itti fufeenya kan qabu kan eeruu dha Faru. 110:1 (1:3, 13, 8:1, 10:12).

▣ **"Kara mirgaatiin"** kun akkuma jirutti miti, ta'us garuu fakkiiduu kitaaba qulqulluuti "bakka humnaa," "taayitaa," yookaan "ol-aanummaa" (HoE. 2:33-36).

▣ **"Teessoo Waaqayyo"** kan nama kufee jireenya hafuuraa adduunyaa ulfinaa fi simboo tilmaamuu qofa dha kan inni danda'u. Innis murna foonii kaa'uutu irra jiraata (waltajiiwwan warqee, balbala dhagaa gatii jabeessaa, of-ilaalee galaana). Waaqayyoo hafuuraan, kan bara baraa, bakka hundumaatti kan argamu le'ii, teessoo kamii iyyuu gararaa caalee guddaa kan ta'e (1Mot. 8:27). Mata-duree addaa ilaali: qooqa seer-lugaan Waaqayyoon ibsuu, 3:11 irratti.

## IBROOTA12:3-11

**3Isiin dadhabdanii yaadni keessan akka hin laafneetti ittiin mormuu cubbamootaa isa obsaan danda'e sana yaadatti qabadhaa. 4Cubbuudhaan wal'aansoo qabuu keessan keessatti ammuma iyyuu dhiigni keessan hamma dhangala'uu ga'utti jabaattanii hin dhaabanne. 5Sagalee gorsaa isa Waaqayyo akka ilmaanitti isinitti dubbatu irraanfattaniittuu ree? Inni "Ilma ko! Gooftichi si barsiisuudhaaf yommuu si adabu, salphaatti hin ilaalin; adabee yommuu si qajeelchus garaa hin kutatin! 6Gooftichi nama jaallatu barsiisuuf in adaba, nama akka ilmaatti fudhatus in reeba" in jedha. 7Isinis barsiifamuudhaaf adaba kana obsaan danda'aa! Waaqayyo wanta ilmaaniif godhamuun ta'u, isiniif in godha; ilmi abbaab isaa barsiisuuf hin adabne isa kamiiree? 8Adaba hundinuu barsiifamuudhaaf argatan keessa, utuu hin argatin yoo haftan garuu, isin ilmaan abbaa hin beekaneetti dhalattan malee, dhuguma ilmaan isaa hin taatan. 9Kana malees, abboota lafa kana irratti barsiisuuf nu adaban qabna; nus isaan in safeeffanna. Abbaa keenya isa hafuuraaf immoo caalchifnee abboomamnee jireenya argachuun nuuf hin ta'uu ree? 10Isaan sun bara gabaabaduudhaaf akka isaanitti gaarii fakkaatetti barsiisuudhaaf nu adaban; inni kun garuu qulqulummaa isaa keessaa qooda qabaachuuf akka waa'ee nuuf baasuutti barsiisuuf nu adaba. 11Adabni barsiisuudhaaf kennamu yeroo sanaaf kan nama gaddisiisu malee, kan nama gammachiisu hin fakkaatu; booddee garuu warra itti baraniif ija in godhata; iji sunis kan nagaa fi kan qajeelinaa in ta'a.**

**12:3 "Yaadaa"** kun kan gochama giddugaleessaa (mirkaneessaa) kan argisiisuu dha. Innis akkuma jirutti hiiki isaa "itti dabaluu" dha, akkasumas xiyyaafannaa kennuudhaaf faayiidaa irra ooleera, waan tokkoofa of-eegannoon kan guutame tarreefama. Warra duriin lakkoofsa gubbaa irraa gadi ture kan itti dabalan, guduunfaa irratti sarara sararu.

▣ **"Kan jabaate"** kun gocha raawwatame keeyata Booz dha. Yesus kana fakkaata turee haala qaanessaa fayyummaa amantootaaf jecha akka obse, isaaniis isaa fi kan biroo amantootaaf jiraachuutu isaan irra jiraata (1Yoh. 3:16).

▣ **"Bakka gaheetti mormii akka kanaa"** bakka maqaa qeenxee hiika ammayyaa hundumaa irratti argama. Ta'us, baay'een isaanii barreefama Giriki durii, hiikaawwan, fi abboottii waldaa kristaanaa luqisiwwan lakkoofsa baay'ee deggeru ([1] *eis eautous*፧ ℵ*, D*, [2] *eis autous*, P13;46 !2, [3] *eis eauton*, A, P, Dc, K, L). Ammam illee kan baratameen tarreefama barreefama yoo qabaatees (jechuun, yaadannoo lama ilaali) innis baay'ee kan hin baratamne, baay'ee barreefama rakkisaa tarii isa jalqabaa ta'uu danda'a, kun kan lakkoofsa baay'ee qabiyyee barreefamaa kanaa raawwatee wal hin simu. Abbaan dhimmaa ifatti Yesusii dha. dogogorrii barreessaa durii ta'uu qaba, jalqabumma irraa tokkoo hanga waggaa dhibbaatti, baay'een isaanii barreefama papireessi barreessuu isaatiin dura.

▣ **"Lubbuu keessaniin utaaltanii akka hin dadhabne,"** isaan jecha Atileeksiiti, kan argananii fi kan kufan fiigdoota, waldorgommii fiigichaa cimaa booda. Barreessaan keenya isaan amanatoota Yihudii ni jajjabeessa, ammam illee rakkisaa yoo ta'ee akka itti fufan. Of-eeggachiifni isaa itti fufeera, lak. 15, 25-29 irratti.

**12:4 "Sichi hanga dhiiga dhangalaasuutti isaan hin mormine,"** dubbiftoonni jalqabaa rakkina fudhataniiru, sichi garuu du'a miti (10:32). Yesus isaaniis rakkina du'aa fudhateera, isaanis eyyamamoo ta'uutu isaan irra jiraata, isaaf jiraachuuf yoo ta'ee du'uuf.

▣ **"Cubbuu wajjin wal'aansoo wal qabaa"** kun kan biraa jecha Atiletiksiiti, lak. 1 irratti faayidaa irra akka oole. Innis gara ingilliffatti ce'ee gaafa barreefamu "dhiphina" haala qabiyyee barreefamichaan walimagalatti kitaaba irratti yeroo ilaalamu kan inni argisiisu

1. Cubbuu amanuu dhabuu, michoota Yihudii amanan wajjin kan wal qabatu

2. Cubbuu ganuu (“gara booddeetti deebi’uu” 10:38) michoota Yihudii warra hin amanne wajjin kan wal qabatu

**12:5 “Hir’aanfataniitu”** kun kan raawwatame giddugaleessa (xiyyaafataa) kan argisiisuu dha. Jechichi kakuu haaraatti as qofatti faayidaa irra kan inni oole.

Kan inni eeruus

1. Guutuu guutuutti hir’aanfachuu (jechuun, yeroodhaaf xiyyaafannoo itti kennuudhaan)
2. Ta’I jedhanii hir’aanfachuu (jechuun, sagalee isaaf xiyyaafannoo itti kennuu)

▣ **“salphaatti hin ilaalin, yeroo si ifatuuttis hin dadhabin”** kun Septuwajentii irraa Fak. 3:11-12 kan eeramee dha. Asitti lamaanuu kan ammaa kan argisiisu keeyata alta’aadhaan, innis yeroo hundaa hiiki isaa duraan dursee adeemsa irratti gocha qabnu dhaabuu dha.

▣ **“Adaba gooftaa”** jechi kun kan inni argisiisu “mucaa isaa leenjisuu” dha. Jecha kana irratti wal fakkaataa kan ta’e jechi galumsa qaba, lak. 5-11 irratti. kun kan biraa fakkiiduu maatiiti. Maatiin lafa irraa ijoollee isaanii namuusa ni barsiisu, akkasumas immoo Waaqayyoo kan isaa kan ta’an ni adaba (1Qor. 11:32, Mul. 3:19).

**12:6 “Gooftaan kan jaallatu adabahooti,”** kun sababa isa tokkoo dha, amantootni sababa amantii isaaniitiif rakkina keessa seenu (Mat. 5:10-12, HoE. 8:1b, 4, 14:22, 2Tas. 1:4-10).

▣ **“Mucaa fudhatu hundumaa ni reeba”** kun luqisii itti fufuu dha, Septuwajentii irraa, Fak. 3:11-12. Kun baay’ee barbaachiisaa dha! Yesus yeroo baay’ee “mucaa” jedhameera, amala kakuu moofaatti “tajaajilaa” yoo jedhaman. Amma amantoota kakuu haaraa “mucoolli” jedhameera (lak. 7-8). Abboonni ijoollee kan isaan adaban

1. Kaayyoo abbaaf
2. Faayidaa mucaaf
3. Faayidaa guutummaa maatiif

**12:7 “akka obsitaniif”** kun gocha ammaa kan argisiisuu yookaan xiyyaafata gocha yeroo ammaati (wal fakkaataa Jecha xiin-jechaa Girikiii). Lak. 5 argisiiftootni ammaa lama waan jiraniif, yookaan immoo kan xiyyaafatu ta’uu danda’a. sagaleen isaa kan inni jedhu “kan fedhiin obsa cimaa” dha (lak. 1, 2, 3, 10:32, 36). Qormaatni kun amantii cimaa ta’ee fida!

▣ **“Waaqayyoo akka ijoolleetti isiiniif godha”** kun Waaqayyoo akka abbaa adabuuti ergaa inni ta’eef Kes. 8:5 kan eeru ta’uu danda’a, akka Hose 11:1-4.

Gochamichi raawwii ammaa kan argisiisuu dha, hiiki isaas “gara Yesusitti yookaan Waaqayyo waan tokko fiduu isaati, yeroo hundaa bifa aarsaan, asitti garuu sagaleen raawwii kan inni jedhu Waaqayyoo namoota cubbamooti dhi’aachuuf eyyamamaa ta’uu isaaniti, tokkuummaadhaanis karaa aarsaa Yesuusin.

**12:8 “Akka”** kun kan ramaddii tokkooffaa hima haalaati, innis kaayyoo barreessichaa irraa sirridha jedhame kan amanamu. Ijoolleen Waaqayyoo hunduu adaba shaakalaniiru (gocha xumuramee kan argisiisu).

**12:9 “Abbaa hafuuraa”** kun”lubbuu irraa” yaad-rimee kamii wajjin walitti dhufeenya homaa hin qabu. Inni faayiidaa irra kan inni oole burqaa dhugaa jireenya hundumaa bifa jedhuun. Waaqayyoo abbooti lafa irraa faallaan ta’eera (lak. 9-10).

▣ **“jireenyatti akka jiraannu”** adabni abbaa jireenya dhugaa fida, du’a osoo hin taane.

**12:10 “Inni garu qulqulluummaa isaa irraa akka qoodannu faayidaa keenyaaf nu adaba”** (gita) kanaaf kan waamamneef qulqulluumaaf (mata-duree ilaali 2:11 irratti). Kunis kaayyoo Waaqayyooti, tokkoon tokkoon amanaaf (Mat. 5:48, Rom. 8:28-30, 2Qor. 3:18, 7:1, Gal. 4:19, Efe. 4:13, 1Tas. 3:13, 4:3, 7, 1Phex. 1:15). Amantootni galmi isaan waamaniif (Efe. 1:4). Innis yeroo hundumaa kan inni ta’uu yoomeessa adabaatiin (Ib. 5:8 fi Rom. 8:17).

**12:11 “Ija nagaa innis qajeelina in godhata.”** Jireenyi kirisaanummaa amantii irraa amantiitti, mirkaneeffachuu irraa (dhuga-baatii amantii) gara amala kee (jireenya amantii, Rom. 5:3-5, Yaaqoob 1:2-4). Qayyabannaa jechaaf “qajeelina” irratti, mata-duree addaa ilaali.

## IBROOTA12:12-13

**12Kanaafis harka keessan isa bushaaaa, jilba kessan isa mudhukaas jabeessaa! 13Miilla keessaniif akka ta’utti irra adeemuudhaaf daandii qajeelaa godhadhaa; yoos miilli inni nanafate in fayya malee, iddoodhaa hin kaatu.**

**12:12** kun kan Isa 35:3 kan eeruu dha, kanumas kan boqonnaa 12 dubeessa ibsa guutuu ta’uu kan danda’u. Kan bilchaate dadhabaa jabeesuutu isa irra jiraata (gara booddeetti deebi’uuf kan dhi’aatan). “Cimuu” akkuma jirutti “qajeelchuu” dha, innis kan inni itti fufuu ibsa lakkofsaatiin kan ibsamu kan ta’e.

**12:13 “Miilla keessaniif karaa qajeelaa godhaa”** kun Fak. 4:26 kan eeruu ta’a, Septuwajenti (LXX) yookaan baay’ee kan beekame fakkeenya “karawwan qajeeloo”, tolaaf akka fakkiiduu kakuu moofaa.

▣ **“Akka hin bariine”** gaalee kana hubachuun kan danda’amu

1. Bifa kakuu moofaatiin (1Mot. 18:21) yaadoota lama gidduu kan godhamu jijjiramaaf kan ta’e fakkiidu, saba Israa’eeliif Yaahiwwee fi Ba’aal gidduu akka jijjiraman
2. Og-barruu Girikiitiin, karaa qopheessuu, waan ta’eef naafootni akka hin kufnee fi akka hin midhaamne (M.R. Visenti qayyabannaa jecha kakuu haaraa, fuula 1168)

▣ **“Akka fayyisu malee”** wali wali jajjabeessuun gara deebi’uutti (harreessuu) geessa (Gal. 6:1, Yaaq. 5:16).

## IBROOTA:12:14-17

**14Namoota hundumaa wajiin nagaadhaan jiraadhaa! Isa malee namni tokko illee goofticha hin argu waan ta’eefis, jireenya qulqullummaaf dhama’aa! 15Isin keessaa namni tokko illee ayyaana Waaqayyoo akka hin dhabne, “Wanti akka hidda hadhaa’aas” isin gidduutti biqilee rakkina akka hin xuroofneef eeggadhaa! 16Namni tokko illee akka Esaawuu isa angaummaa isaa nyaata tokkittiittii gurguree, nama halalummaatti jiraatu yookiis nama wanta qulqulluuaa’aadhaan mormuu hin ta’in! Booddee garuu Esaawuun eebba argachuu yommuu barbaadetti akka irraa gatame hin beektu; deebisee argachuudhaaf boo’ichaan yoo barbaade iyyuu, yaada isaa geddaruudhaaf karaa hin arganne.**

**12:14-14** kun of-eeggachiisa isa dhumaati (2:1-4, 3:7-4:11, 5:11, 5:11-6:12, 10:19-39, 12:14-17).

**12:14 “Nagaa duukaa bu’an”** kun kan gocha ammaa irratti xiyyaafatuu dha. Haalli qabiyyee barreefamichaas

1. Rakkinni osoo irra hin jiraatiin
2. Obboloota isaa gidduutti amanuu dhabuu (Yihudoota hin amannee, ammas sichi Yihuudoota amanan wajjin kan sagadan)

3. Shakkii keessa jiruun (“balaa gara beeddeetti deebi’uu” (10:38) mareen nagaa kun baay’ee faayida qabeessa. Dubbifamni walitti dhufan baay’een jiru.
    1. Faru. 34:14, “Nagaa barbaadaa, isa duukaas bu’aa”
    2. Marq. 9:50, “walii keessaniifis nagaa qabaadhaa”
    3. Room. 12:18, “Yoo danda’ame nama hundumaa wajjin nagaa qabaadhaa”
    4. 1Qor. 7:15, “Isin keessaan kan hin amaniin hidhata isaati gargar ba’uu yoo fo’ate….Waaqayyoo jireenya nagaatiif nu waame”
    5. 2Xim. 2:22, “Warra gara qulqulla’aadhaan maqaa Waaqayyoo waammatan wajjin qajeelina, amantii , jaalala, nagaa duukaas bu’I”

⧈ **“Akka qulqullooftaniifis”** “Qulqullaa’uu” kan jedhu jechi kun, walitti dhufun kan irra jiraatu lak. 10 wajjin dha, innis “adaba” wajjin wal qabata. Waaqayyo amantoota seera qulqullummaaf qabsiisa. Galmi fayyinaa Kristoosiin fakkaachuu dha.

Kun kan ejjennoo (kan garasii) mana qulqullummaa miti, ta’us garuu raawwiin (guddachaa kan deemu) mana qulqullummaati. Wangeelli fayyinaa fi jireenya dhi’eessa, karaa dhiibbaan guutame lamaan. Karaa tokkoon kan raawwatame, bilisa, yeroo tokkoof isa dhumaaf kan ta’e kennaa Waaqayyooti (kan argisiisu), ta’us garuu dabalataan inni kana amanti, kan abboomamuu, kan tajaajilaa, fi jireenya waaqeffannaa dha (ajaja kan argisiisu). Amantootni baay’ee kallatti isa tokkoof qofa xiyyaafannoo kennuu, kan biraa ambisuudhaan (Awugisxinos faallaa Pilegiyusiin, Kaalviin faallaa Armiyusiin). Amantootni Waaqayyoo wajjin kan isaan qaban walitti dhufeenyi kan inni jalqabuu tuqaa tokkoo fi yeroo irratti, miira cubbamaa ta’uu, fiixee qalbi jijjirannaa fi amantii irratti, ta’us garuu inni adeemsa yerootiin adeemutu irra jiraata, gara fiixee du’aatti yookaan immoo lammata deebi’ee dhufuu, amanamummaa, qajeelina, sabiriin kan fayyadu, ragaa isa guddaadha, fayyina dhugaa.

Barreefama kanatti aanee jiru mana qulqullummaa irratti wal bira qabi

| **Kan ejjennoo (kan argisiisu)** | **Itti fufiinsa kan qabu (ajaja kan argisiisu)** |
|---|---|
| HoE. 20:32, 26:18 | Roome. 6:19 |
| Romee. 15:16 | 2Qoronxos. 7:1 |
| 1Qoronxos. 1:2-3, 6:11 | Efeson. 1:4, 2:10 |
| 2Tasalonqe. 2:13 | 1Tasalonqe. 3:13, 4:3-4, 7, 5:23 |
| Ibroota. 2:11 | 1Ximotihos 2:15 |
| 1Phexiros 1:2 | 2Ximotihos 2:21 |
| | Ibroota 12:14 |
| | 1Phex. 1:15-16 |

⧈ **“Isaan malee gooftaa arguu kan danda’u hin jiru waan ta’ef”** kun kan yeroo dhaga’an dhugaa fakkaatu garuu dhugaa kan hin taane (Paaradoksi) dha: (1) amantootni guyyaa tokko gooftaa ni argu (Iyo. 19:25-27, FAru. 17:15, Mat. 5:8, 1Yoh. 3:2, Mul. 22:4) fi (2)amantootni amma gooftaa arguu hin danda’aan (Bau. 33:20, Yoh. 1:18, 1Xim. 6:16, 1Yoh. 4:12).

Kun argisiisuu kan inni danda’u gosa jireenya hafuuraa isa tokooti, wangeelaaf deebii kennuuf bifa jedhuun. Qabiyyee barreefamaa kanaan “kan hubachuu” fakkiiduu ta’uu danda’a.

**12:15 “Of-eeggadhaa”** akkuma jirutti “hubachuu” (*episkopountes*) dha, gocha ammaa raawwii bifa ajajaa kan argisiisuun faayidaa irra kan oole. Jechi kun kan ijaarame jechoota ta’aaniif isa tokkoof (akkuma jirutti Phaaphaas, *episkopos* , Fil.1:1, 1Xim. 3:2, Tit. 1:7 fi Yesus 1Phex. 2:25 irratti). Asitti kan inni argisiisu waldaa kristaanaaf geggeesitoota yookaan amantoota bilchaatanii dha, isaanis kan biroof kan of-eeggatan. Ganuu dandamachuu kan danda’amuu bilchinaan. Isaan michootni amantootni ariitiin karaa bilchaataan akka raawwatan barbaadameera (5:11-14).

Kammi iyyuu lafa kristaanaa miti (1Qor. 12:7). Kristaanummaan Ispoortii gareeti! "Qulqulluu' jechi jedhu yeroo hundumaa kan baay'eeti (yeroo tokkoo Fill. 4:21 irraa kan hafe, achittis bifa wali galaan faayidaa irra kan inni oole). Eegaa obboleessa keenyaati. Wali walii keenya jajjabeessuun hiri'inni homtu nutty hir'achuun irra hin jiru. Kan nuuf kennamee fi kan kennamneef fayyummaa wali galaati.

▣ **"Ayyaanni Waaqayyoo eenyutti illee akka hin hir'anne"** kan kan gocha yeroo ammaa keeyata Booziti, bifa ajaja argisiisuun faayidaa irra kan oole, hiiki isaas "Ayyaanni Waaqayyoo hir'achuu." Jechi kun 4:1 irratti faayidaa irra ooleera, "hir'ina yaadachuu dhabuu" bifa jedhuun, ta'us garuu lak. kanaan "kan garaasii" (apo) kan jedhuu walinga, gaalee walingaa ni hundeessa, tokkummaan isaas "duraan dursamee kan qabame (kan ofii kan ta'e) waa dhabuu dha" (6:4-6, 10:23, 38-39, 12:25). Ganuu kana kan fakkaatu haalli aadaa dhuguma ta'uu kan danda'uu dha. mata-duree addaa: ganuu 3:12 irratti ilaali.

Yookaan, duraan dursee akkan ibsee, michootni lama jiru ergici kan isaan ga'u: (1)Yihudii amananaa, "gara booddeetti kan deebi'uu" bal'aa irra kan jiran (lak. 15) fi (2) Yihuudi hin amanne, Yesusiin kan hin fudhanne, isaanis wangeela kan amanan hirihoota mana sagadaa Yihuudi jireenyaafi dhuga-baatii ifatti kan hubatan (lakk. 25). Yaad-rimeen kam iyyuu sirrii yoo ta'e, fayyinni bu'aa miti, walitti dhufeenya malee kan jedhuu dhugaa akka jiruu ta'uu danda'a. Innis deebii ka'umsaa irraa ni caala. Of-eeggachiisoonni dhugumatti, kan falmu, fi sirrii dha. Haala qabiyyee barreefamaa kanaan inni "gara booddeetti deebi'uu" irra kan jiran amantoota waa'ee hubachuuti (10:38).

▣ **"Hiddi hadhawwaan akka hin argamne"** kun kan Kes. 29:18 kan eeruu ta'a, Septuwajentiidhaan, innis saba Waaqayyoo balaa ejjummaa irraa kan of-eeggachiisu, kara lamaanuun matayyummaanis ta'ee wali galatti. Israa'eel hunduu raawwatanii Waaqayyoo wajjin sirrii hin ture, ta'us garuu ambaan amantoota amanamoo qofaa dha. "Hidda hadhaawwaa" gaaleen jedhu, Keessa deebii irrratti kan jiru "Har'aa Waaqayyoo gooftaa keenyaa irraa kan jalatee lapheen keessan" kan jedhu wajjin wal cinaa dha.

▣ **"Baay'een kan isaan ittiin xura'aan"** namni hamaan tokko argamuun isaa guutummaa garichaa jeeqa. Amantii keenya, gocha keenyaa, fi ilaalcha keenya kan biroo irratti dhiibbaa geesisa. Kan akkami ajaa'ibsifamuu kan qabuu dha!

**12:16 "Esawuu"** inni akka aadaa barsiisootaa Yihuudiiti nama hamaa godhameera (Jubilees 25:1, 8 fi Genesis Rabba 70M, 72A). ta'us, kun haalaa bareefamaa, isa kan itti fayyadamu, abdii Waaqayyoo beekee ta'us garuu gara raawwiitti kan hin jijjiree ta'eeti.

**12:17 "Eebba"** eebba abbootaa irra deebi'amuu hin danda'u. kunis yaad-rimee Ibirootaa of keessatti qabata, humna jecha dubbii (Uma. 1 fi Isa. 55:10-12).

▣ **"Bakka qalbi jijjirannaa hin arganne"** haala qabiyyee barrefamichaan kun kan inni argisiisu abbaan isaa Yisihaaq, obbolleessaa isaa quxisuu, Yaaqoobiin erga eebbise booda gadduu isaati, kanaaf eebbi jijjiramuu hin danda'u. Barreessichi kana kan itti fayyadame ergicha kan fudhatan of-eeggachiisuufi dha. Isaan Kristoosiif amma murtoo akka godhan barbaadeera, amma yeroon osoo jiru, isa booda Kristoos wajjin kan qaban walitti dhufeenya haaraatti akka jabaatan, sababni isaas carraa lammaffaan waan hin jiraanneef (6:6, 10:26).

## MATA DUREE ADDAA: YAADA GARAA GEEDDARACHUU

Yaada garaa geeddarachuu (amantii wajjiin) Kakuu Moofaa keessatti ta'ee Kakuu Haarawaa keessatti wanta kakuuf barbaachisaa ta'edha. (*Nacham*, 1Mot 8:47, *Shuv* 1Mot 8:48; Hisq 14:6; 18:30; Yoel 2:12-13; Zak 1:3-4) fi Kakuu Haarawaa

1. Yohaannis cuuphaa (Mat 3:2; Mar 1:4; Luq 3:3,8)
2. Yesuus (Mat 4:17; Mar 1:15; 2:17; Luq 5:32; 13:3,5; 15:7; 17:3)

3. Pheexiroos (Hoer 2:38; 3:19; 8:22; 11:18; 2Phex 3:9)
4. Phaawuloos (Hoer 13:24; 17:30; 20:21; 26:20; Rom 2:4; 2Qor 2:9-10)

Garuu yaada garaa ofii geeddarachuun maali? Gadduudhaa? Cubbuun hojjechuu dhiisuudhaa? Yaada waraabbii kanaa sirriitti hubachiisuuf gargaaran Kakuu Haarawaa keessaa boqonnaa gaarii kan ta'e 2Qor 7:8-11ti, bakka jechoonni Giriik sadhata qaban sadii garuu gargar ta'an itti tajaajilanidha.

1. Gadduu/sorrow (*lupē* lakk 8 [al lama], 9 [sal sadii], 10 [al lama]11). Innis hiika aaruu, namatti dhaga'amuu jedhu kan qabu fi gama Tiyooloojiitiin immoo waraabbii hiika babsawaa (neutral qabduha.
2. "yaada garaa geeddarachuu" (*metanoeō* c flak 9, 10) Innis qindoomina "booddee" jedhuu fi "yaada/mind" jedhuuti. Innis 'sammuu haaraa' agarsiisa; yaada haaraa argisiisa. Jireenyaa fi Waaqayyo irratti ilaalcha haaraa horachuu agarsiisa Innis "jijjiirannaa yaadaa" dhugaa ta'edha.
3. Gaabbuu (metamelomai, cf lakk 8 [al lama] 10). Innis Qindoomina booda (after) fi eeggannoo (care) jedhudha. Innis Maat 27:3 irratti Yihudaa fi Ibir 12:16-17 immoo Esawuf tajajaileera. Innis gadda haala sana irratti qabaniidha malee kan gocha sanaa miti.

Yaada garaa geeddarachuu fi amantiin gochaawwan kakuu barbaachisoo ta'anidha. (cf. Mar 1:15; Hoer. 2:38; 8:41; 3:16,19; 20:21). Barreeffamoonni Waaqayyo yaada garaa geeddarachuu kennuu isaa ibsan hedduutu jira. (cf. Hoer 5:31; 11:18; 2Xim 2:25). Gara barreeffamoonni hedduun, kakuu fayyinaa Waaqayyo kenne irratti deebi namoonni qabanidha kan jedhuun ilaalu (cf. Luq 15:20-24).

Hiikaan jechoota Ibirootaa fi Giriikotaa lachansaaniituu hiika guutuu "yaada jijjiirachuu" jedhuuf kennamanidha. Fedhiin Ibirootaa "jijjiiraa gochaa" (change of action) yoo ta'u kan Giriikootaa immoo jijjiirraa sammuu/yaadaa (change of mind)ti. Namni fayye tokko, sammuu haaraa fi onnee ykn laphee haaraa argata. Innis kallattii garaa garaan yaadee, haala garaa garaan jiraata. Anaaf maaltu ta'a kan jedhus Fedhiin Waaqayyoo maali? Gaaffii jedhuun bakka buufata. Yaada garaa geeddarachuun dhikkisa yaadaa kan, cubbuu balleessu ykn cubbuu malee jiraachuu jechuu miti, garuu walitti dhufeenya haaraa wanta qulqullaa'aa irratti qaban kan amantoota quqlulluu taasisu jechudha.

▣ **"Imimaaniin"** kun Uma. 27:34 fi 38 dha.

## IBROOTA:12:18-24

**18Isin tulluu isa harkaan qabamuu danda'u, isa ibiddi boba'aan, aarri dukkaneessu, dukkanni, bubbeen irra turan bira hin geenye. 19Isin sagalee mlakataatti, sagalee guddisee dubbatuttis hin dhi'aanne; yeroo sagaleen kun dhaga'ames, warri dhaga'an sagaleen kun akka dabalee isaanitti hin dubbanne in kadhatan. 20Abboommiin, "Horiin illee tulluu sanatti yoo buute, dhagaadhaan rukutamtee haa duutu!" jedhu sun, waan isaanitti ulfaateef, isa baachuu hin dandeenye. 21Wanti achi argame sunis guddaa sodaachiisaa waan tureef Museen iyyuu, "Baa'ee sodaadheetan holladhe" jedhe. 22Haa ta'u iyyuu malee, tulluu Xiyoon, mandara Waaqayyo isa jiraataa, Yerusaalem ishee waaqa irraa, cidha ergamootaa kumaatamaa bira ga'uu keessan. 23Waldaa angafoota warra maqaan isaanii waaqa irratti caafamee, Waaqayyo abbaa firdii namoota hundumaa, lubbuu ajelota warra fiixaan ba'aanii bira ga'uu keessan. 24Yesus isa gidduu galee Waaqayyoo fi namoota gidduu kakuu haaraa dhaabe, dhangala'uu dhiigaa isa dhiiga Abeel caalaa wanta wayyu dubbatu biras ga'uu keessan.**

**12:18-21** kutaan kun seera Musee gaara Siinaa irratti ibsa itti kennamee dha (Bau. 19:16-25, Kes. 4:11-14).

▣ **"Gara dukkannaa fi duumessaa"** kun ta'uu kan inni danda'u Kes. 5:22 kan eeruu dha.

**12:19 "Gara sagalee malakataa"** sagaleen Waaqayyo akka sagalee malakataati (Kes. 19:16, 19, 20:18)

▣ **"Wanta sana kan dhaga'aan wanti biraan akka isaanitti hin dabalamne kadhatan,"** humna dinqisiisaa Yaahiwwee gaara siinaa irratti saba isaa sodaachise (Bau. 20:19, Kes. 5:22-27, 18:16).

**12:20 “Horriin illee gaaricha yoo tuqee rukutamee haa du’u”** kun kan ramaddii sadaffaa hima haalaati. Innis kan biraa kan eeruu dha, kan Waaqayyoo qulqullummaa ajaa’ibsiisaa, gaaraa Siinaa irratti kan bu’e (Bau. 19:12-13).

**12:21 “Baay’een sodaadha nan hol’adhas”** kun Kes. 9:19 kan eerame yeroo ta’uu kan inni argisiisuus jabbii warqee Aaroon. Xin-hima barsiisoota gaalee kana kan itti fayyadamu Museef sodaa Waaqayyootiif, gaara Siinaa irratti.

**12:22 “Isin garuu geessaniitu”** kun dhiibbaa cimadha. Isaan dubbiftootni amantootni kakuu Siinaatti hin amanne, ta’us garuu kakuu haaraatti, Yerusaalem ishee waaqa irraa, gaara Xiyoon isa haaraa, magaalatti ishee haarawaa dha malee. Gal. 4:21-31 Phaawulos wal fakkaataa kan ta’e argisiisa fayyadama, gaaroota lamaan kakuu moofaa fayyadamuun (gaara Siinaa faallaadhaan gaara Xiyoon).

▣ **“Gaara Xiyoon”** barreessichi kakuu gara fuulduraa gaara siinaa irratti kakuu haaraadhaan magaalatti ishee haaraa wajjin wal dorgomsiisa (11:10, 16, 13:14, Mul. 3:12, 21:2, 10).

▣ **“Waaqa isa jiraataa”** kun kan Waaqayyoo, maqaa kakuu Yaahiwwee ibsa kan biraa dha, innis kan Ibirichaa “kan ta’u” bifa gochamaa kan ta’e. Yaahiwween bara baraan kan jiraatu, qofaa isaa kan jiraatu. Kakuu moofaatti ofitti kakateera, “Waaqa jiraataa.” Mata-duree addaa: maqaa hafuuraa 2:7 irratti ilaali.

**12:23 “Tokkummaa angafootaa”** Bau. 4:22 irraa kan ka’ee tarreesitootni tokko tokkoo waabii isaani kan gargaaran kakuu moofaaf warra Israa’eel dha, ta’us garuu qabiyyeen barreefamichaa kan inni gaaffatu, isa hubachuun kan ta’u namoota amantii hundumaatiif (11:40). “Angafa” kan inni argisiisuus Kristoosii dha, “Angaficha.”

1. Kan obboloota baay’ee (bifa Waaqayyoo, Rom. 8:29)
2. Uumama hundumaaf (bifa Waaqayyo, Qol. 1:15)
3. Warra du’an keessa ((Qol. 1:18 fi 1Qor. 15:20, 23 [angafa]

Keeyata kanaan kakuu haaraan kan waamameef karaawwan hundumaa ilaalaa.

1. Gaara Xiyoon
2. Magalaa Waaqayyoo jiraataa
3. Yerusaleem ishee waaqa irraa
4. Ergamoota danuu

Waa’ee “waldaa kristaanaa” mata-duree addaa 2:12 irratti ilaali. Waa’ee “angafa” mata-duree addaa 1:6 irratti ilaali.

▣ **“Kan barreefaman”** kitaabni qulqulluun waa’ee kitaaba Waaqayyoo lamaa dubbata (Dan. 7:10 fi Mul. 20:12). Inni tokkooffaan kitaaba jireenyaati (Bau. 32:32, Faru. 69:28, Dan. 12:1, Luqa. 10:20, Fil. 4:3, Mul. 3:5, 17:8, 20:12, 15, 21:27). Kan biraan barreefamni yaadannoo (Faru. 56:8, 139:16, Isa. 65:6, Milk. 3:16). Kan jalqabaa amantootaaf yeroo ta’u, inni lammaffaan lamaanuutiif (Mul. 14:13). Isaan fakkiiduwwan kun Waaqayyoof yaadannoo dha.

▣ **“Hundumaaf abbaa murtii kan ta’e Waaqayyo”** kakuu moofaan dhaabbataatti akka abbaa murtootti ibsama (Uma. 18:25, Faru. 50:6, 96:13, 98:9, Isa. 2:4, 51:5, Erm. 11:20, Faru.Erm. 3:39, Hiz. 7:3, 27). Masihiin dhufuu akka abbaa murtiitti ibsameera (Isa. 11:3-4, 16:5). Abbaan firdii hundumaa ilma irratti kaa’era (Yoh. 5:22-23, 27, 9:39, HoE. 10:42, 17:31, 2Xim. 4:1, 1Phex. 4:5).

▣ **“Gara warra guutuu ta’anitti gara hafuuraa qajeelootaatti,”** kun gochama raawwatamee keeyata Booziti, tokkummaan isaas “Waaqayyoon guutuu ta’uu fi bu’aan isaas kan itti fufuu dha.”

sababa 11:40 kun kan inni argisiisu boqonnaa 11 irra kan jiran qulqulloota kakuu haaraa fi dhufaati Kristoos fuuldura kan jiran amantoota hundumaati.

**“**Guutuu” 10:1 irra kan jiru yaadannoo ilaali.

**12:24 “Yesus giddu galeessi isaa”** Yesuus angafa lubaa fi aarsaan isaa (1) waa’ee keenyaaf fuula abbaa dura dhaabbata kanaaf (2) kakuu fooyya’aa fideera (7:22, 8, 6, 9-10, 9:15, Erm. 31:31-34, Hiz. 36:22-36).

▣ **“Dhangala’uu dhiigaa”** kun kakuu kakuu moofaa karaa ittiin eebbifamani dha (9:19, 10:10:22, 1Phex. 1:2).

▣ **“Kan fooyya’e”** 7:7 irratti yaadannoo guutuu ilaali.

▣ **“Dhiiga Abeel”** dhiigni Abeel kan inni iyyuuf ijaa baasuuf, dhiigni Kristoos kan inni iyyuuf araaraaf, dhiifamaa, fi jaalalaafi dha.

## IBROOTA: 12:25-29

**25 Ammas isa dubbachaa jiru kana jalaa akka hin dinne of eeggadhaa! Warri isa dhaamsa Waaqayyo biyya lafaa ba’uu erga dadhabanii, nuyis isa waaqa irraa nutty dubbatu irraa yoo garagalle, caalaatti isa jalaa ba’uu in dadhabna. 26Yeroo sana sagaleen isaa lafa sochooseera; amma garuu, “Ammas, al tokko lafa sochoosuu duwwaa utuu hin ta’in, waaqas immoo nan sochoosa” jedhe abdachiisera. 27”Ammas al tokko” inni jedhe, wanti raafamuu hin dandeenye hafee akka jiraatutti, wanti uumame hundinuu raafame iddoodhaa butachuu isaa in mul’isa. 28Egaa nuyi mootummaa raafamuu hin dandeenye waan fudhannuuf, kottaa warra galata galchan in taanaa! Kanaanis kottaa akka isa duratti fudhatamutti ulfinaa fi sodaadhaan Waaqayyoof in sagannaa! 29Waaqayyo keenya ibidda xaph godhuu dha.**

**12:25 “Of-eeggadhaa”** kun kan keeyata yeroo ammaa irratti xiyyaafatuu dha. Kun jecha Girikii adda ta’ee dha, lak. 15 irratti faayida irra kan oole. Of-eeggannoo wal fakkaataa 3:12 irratti argama. Kristoosiin kan ta’e kan adda ta’e ifa kakuu haaraa erga ifee booda deebii ta’uun irra jiru kennuun wanta isa guddaa dha. Balaa qaba (lammanuuf, kan amananiifis ta’ee warra hin amanneef) dhugaa beekaani isa irrratti raawwachuu dhiisuun.

▣ **“Hin didinaa”** kun of-eeggachiisa lamaan keessa isa tokkooffa dha. Kan biraan kan ture “Gara booddeetti hin deebi’inaa.” Kun gocha giddugaleessaa (kan mirkaneessu) kan haalaati. Murtoo eyyamaa gochuutu nurra jiraata. Yesus wajjin maal gootu, jalqabaa fi dhuma amantii keessanii?

▣ **“Akka”** kun kan ramaddii tokkooffaa hima haalaati, innis ilaalchaa barreesichaa yookaan kaayyoo barreefama isaatiin sirrii dha jedhamee kan yaadamu. Irra deebinis, kakuu caaluu fi nama fudhachuu dhiisuun kan inni adeemsiisu sodaachiisuun yaada irratti xiyyaafatu dha.

**12:26 “Sagaleen isaa lafa raasee”** kun kan inni eeru seera gaara Siinaa yeroo kennamuu dha, duraan dursee boqonnaa kana irratti kan eerame (Bau. 19:18-19), garu inni Septuwajenti irraa Hag. 2:6 irratti gabaabatee kan fudhatamee dha. Raajiin kun waa’ee samii fi lafaa haaraa raafamuu dubbata, bitta-dursaa isa haaraa mana qulqullummaa wajjin kan qal qabate (Hage. 2:6-9). Manni qulqullummaa inni haaraan ulfina in fudhata. Manni qulqullummaa inni haaraan isa duraa irra kan fooyya’e ta’a. Manni qulqullummaa inni haaran nagaa fida. Isaan labsiiwwan kun isa haaraa kakuu Yesusiif gaadidduu dha.

**12:27 “Amas al tokkoo”** addunyaan kun ni darba. Waaqayyo immoo akka uumu nan yaada (2Phex. 3:10) baay’ee isa fakkaata, ta’us garuu Uma. 3:14, 17, Zak. 14:11, Mul. 22:3 abaarsa. Kitaabni

qulqulluun kan inni jalqabu Waaqayyoodhaan, namaa fi bineeldootaani dha (Isa. 11:6, 6-9) yoomeessa Ganat (Uma. 1-2) kanaf inni karaa wal fakkaataadhaan kan inni raawatu (Mul. 21-22).

**12:28 "Mootummaa hin raafamne"** kun kan inni argisiisu amala hafuuraa kakuu haaraati. Innis kan dhumaaf kakuu dhaabbataa dha, saba fi Waaqayyoo gidduu.

⊡ **"Kabajaa fi sodaadhaan Waaqayyoon kan ittiin gammachiisa kan ittiin waaqeffanu ayyana haa qabannu,"** kun kan inni ibsuu amantootni kakuu haaraa deebii ta'uu qabu dha: jireenya tajaajilaa, sadan saatiin tokko kan ta'e Waaqa madaalli kan hin qabne ayyaana isaan, galata irraa kan ka'e (13:15, 21, Rom. 12:1-2). Kan fayyineef tajaajiluuf, maatii amantii tajaajiluuf (1Qor. 12:7, Efe. 4:12).

## MATA DUREE ADDAA: MOTUMMAA WAAQAYYOO

Kakuu Moofaa keessatti YHWH akka Mootii Isiraa'elitti (cf. 1Sam. 8:7, Far. 10:16; 24;7-9; 29:10; 44:4; 89:18; 95:3, Isa. 43:15; 44:4,6) akkasumas immoo Masihichi akka mootii yaadaan jiruutti yaaddamaa turani (cf. Far. 2:6; Isa. 9:6-7; 11:1-5). Beetalheem keessatti (6-4 DKD) Yesuus dhalachuu isatiin Mootummana Waaqayyoo humna haaraa fi qulqullaa'uu fayyuudhaan (Kakuu Haaraa, cf. Er. 31:31-34; His. 36:27-36) gara seenaa dhala namaatti ni cite. Yohaannis bartichi dhihaachuu Mootummaa Waaqayyoo ni labse (cf. Mat. 3:2, Mar. 1:15). Yesuus ifumaan ifatti motummaa Waaqayyoo Isaa fi barsiisota Isaa keessaan dhihaachuu isaa barsiisee ture (cf. Mat. 16;28; 24:14; 26;29; Mar. 9:1; Luq. 21:31; 22:16,18).

Wangeelota walfakkaatan wal cinaa Maarqosii fi Luqaas keessatti gaalee "Mootummaa Waaqayyoo" jedhu ni argina. Mata dureen barsiisota Yesuus kan walii gala bittaa Waaqayyo yeroo ammaa kana garaa namaa irratti bitu, isa gaafa tokko lafa guutuu keessatti faayidaarra kan oolu ta'u of keessatti ni hammata ture. Inni kun kedhannaa Yesuus Mat. 6:10 keessaa keessatti calaqqisiifameera. Yommuu Maarqosii fi Luqaas, barreeffamoonni Ormootaaf barreeffaman, karaa waliigalaa, maqaa Waaqummaatti fayyadaman Wangeela Maatewos inni Yihudootaaf barreeffame, gaalee isa maqaa Waaqayyoo hin fayydamne ture. (Mootummaa Waaqaa).

Inni kun Wangeeloota walfakkaatan keessatti gaalee ijoo "Lallaboonni jalqabaa fi dhumaa Yesuus akkasumas fakkeenyoonni Isaa irra jireenyi, mata duree kana wajjin waliigalu. Inni bulchiinsa/mootummaa Waaayyoo garaa namaa keessaa kan amma ni eera! Yohaannis gaalee kana si'a lama qofaa itti fayyadamuun isaa (akkasumas fakkeenyota Yesuus keessatti gonkumaa itit hin fayyadamin dhisuun isaa) waan nama dinquudha. Mata duree Addaa armaan gadii ilaalaa. Wangeela Yohaannisiif "jireenyi bara baraa" jechaa fi bakka buusa ijoo tokkodha."

Dhiphinni gaalee kanaa wajjin jiru kan ka'e dhufaatii Kiristoos karaa lamaani Kakuu Moofaan masihii Waaqayyoo dhufaa jiru qofaa irratti xiyyeeffate dursaa waraanaa kan firdii ulfina abeessa dhufaa jiru garuu immoo Kakuu Haaraan Inni Isa. 53 fi akka mootii nagaa Zak. 9:9 hammeenyaa fi barri haaraan tolummaa walan dhoksuuf walirra ni bu'ani. Yesuus yeroo ammaa kana garaa mantootaa keessatti bulchaa jira; garuu immoo guyyaa tokko uumamoota hunda irratti ni bita. Inni akkuma isa Kakuu Moofaa keessatti raagameefitti ni dhufa! Amantonni mootummaa Waaqayyoo "isa dursee ture" fi "isa siichii" keessa ni jiraatu (cf. Gordon D.Fee and Douglas Stuart's How to Read The Bible For All Its Worth, ff. 131-134).

**12:29 "Abidda balleessu"** kun gaaraa siinaa kan eeru ta'a (Kes. 4:24). Eenyuuf deebii kennuun akka nurra jiru hir;aanfachuuf ija jabaachuun nurra hin jiru (10:31). Abiddii qulqulleessuu fi yookaan guutuu guutuutti balleessuu danda'a. Inni abbaa keenya waaqa irraa ta'uu danda'a yookaan inni samii irraa kan ta'e abbaa murtii keenya ta'uu danda'a. Yesus wajjin kan nu goonuu fi itti fufiinsaanis kan nuyi goonuu dha kan murteessu. Amani! Isaanis qabami!

**GAAFFILEE MAREE**

Qajelfamni qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta'u, sana jechuunis garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaatti hiikuun itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. tokkoon tokkoon keenya ifa nu kennameen adeemuutu nurra jiraata. Hiktoonni jalqabaa si, kitaaba qulqulluu fi hafuura qulqulluu dha. kanas deebiftee kan hiike irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Gaaffileen maree kun kan kennamana kutaa kitaaba kanaa dhimmoota gurguddaa akka ta'utti akka qayyaabatu akka si gargaaruuf. Kana jechuunis akka ta'utti akka xiinxaltu si kakaasuuf malee kana qofaan akka daangooftu miti.

1. Boqonnaa 11 fi 12:18-29 namoota jiran itti yaadi tarreessi, nu fakkaachuun kan nurra jiru.
2. Lak.1 kan inni barsiisuu, warri du'an jireenya warra jiraatoo akka ilaalanii dhaa?
3. Barreessichi boqonnaa kana irratti maaliif fakkiduu Atileksoota baay'ee fayyadame?
4. Kaayyoon boqonnaa kanaa akka guutummaa kitaabichaati wajjin kan wal qabate maalii dhaa?
5. Jireenya keenyaaf kaayyoon ga'umsa Waaqayyoo maalii dhaa? (Lak. 10, 28)

# IBIROOTA 13
## HIIKAWWAN HAARAAWA RAMADDIWWAN KEEYATAA

| UBS[4] | NKJV | NRSV | TEV | NJB |
|---|---|---|---|---|
| Tajaajila Waaqayyon gammachiisu<br>13:1-6 | Guduunfaa kallatti wwan safuu<br>13:1-6 | Guduunfaa of eeggachisaa<br>13:1-6 | Waa'ee Waaqayyoon gammachiisuu<br>13:1-3<br>13:4<br>13:5-6 | Yaada isa dhumaa<br>13:1-6 |
| 13:7-16 | guduunfaa abboomoota amanti<br>13:7-17 | 13:7-16 | 13:7-9<br>13:10-16 | 13:7-16 |
| 13:17 | Kadhannaaf gaaffatameera<br>13:18-19 | 13:17 | 13:17 | Geggeesitoota amantaaf abboomamu<br>13:17-19 |
| 13:18-19 | | Ergaa dhuunfaa 13:18-19 | 13:18-19 | |
| eebbaaf nagaa dhaamuu isa xumuraa<br>13:20-21 | eebba yaadachiisa xumuraa nagaa dhaamuu<br>13:20-25 | eebbaa<br>13:20-21 | kadhata xumuraa<br>13:20-21 | oduuwwan Jecha isa dhumaa dabalataa<br>13:20-21 |
| 13:22-25 | | barreeffama dabalataa<br>13:22-25 | Jechoota xumuraa<br>13:22-23 | 13:22 |
| | | | 13:24 | 13:23-25 |
| | | | 13:25 | |

**MARSAA DUBBIFAMAA SADAFFAA (fuula vii ilaali kutaa seensaa irratti)**
YAADA BARREESSAA JALQABAA SADARKAA KEEYATAATIIN HORDOFUU

Qajeelmani qayyabannaa hiika yeroo ta'u, sana jechuun garuu kitaaba qulqulluu ofii keeti yeroo hiiktu itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. Tokkoon tokkoon keenya ifa nuu kenameen deddeebi'uutu nurra jira. Hiiktooni jalqabaa si, kitaaba qulqulluu fi hafuura qulqulluudha. Kanaas deebifte kan hiike irratti jechama kan biraan akka hin fudhanne.

Boqonnicha of-irra gadi taa'u tokkoon dubbissi. Yaada-ijoowwan irratti. (ramaddii dubbifama lak. 3 fuula viii). Yaada-ijoo kee ramaddiiwwan gara olitti tarreefaman hiika shanan wajjin wal bira qabi. Ibsi guutuun keeyaticha irratti argamuu yoo baatees hiiki yaada barreessicha jalqabaa ta'e inni guddaan irratti ni argama. Tokkoon tokkoon keeyataa yaada ijoo tokkoo fi tokko qofa qabateera.

1. Keeyata tokkoffaa
2. Keeyata lammaffaa
3. Keeyata sadaffaa
4. K.K.f…

**QABIYYEE AKKA HAALA BARREEFAMICHAATI**

A. Wantootni baay'een "yaadamu kan qabu" yoomessa seenaa wajjin wal hin siman.
   1. Geggeesitoota Kiristaanaa
   2. Akekachiisa jabaa wali galatti warra waaqa tolfamaa waaqessan, Yihudii osoo hin taane
B. Boqonnaan dhumaa kun kallattiiwwan baay'ee Phaawulos qaba.

**QAYYABANNAA JECHAA FI GAALEE**

**IBROOTA:13:1-6**
**1Akka obbolootaatti wal jaallachuu keessan itti fufaa!. 2Keessummota simuu hin dagatinaa! Kara kanaa namoonni utuu hin beekin ergamoota Waaqayyoo simataniiru.**

**3Akka waan ofii isaanii wajjin mana hidhaa keessa jirtaniitti, warra hidhaman yaadadhaa! Akka waan ofii isaanii wajjin miidhamuutti jirtaniitti namoota warra midhamaa jiran yaadadhaa! 4Gaa'elli hundumaa biratti ulfina –qabeessa haa ta'u, cisichi gaa'elaas hin xureeffamin! Waaqayyo warra halalee fi ejjituutti faraduuf jira. 5Akka jireenya keessanii horiidhaaf sassataa hin ta'in, wanta argattaniin "Nu ga'a" jedhaa! Waaqayyo, "Ani matumaa si hin dadhabu, si hin buusus!" jedheera. 6Kanaafis amanannee, "Gooftaan isa na gargaaruu dha, ani hin sodaadhu; namni maal n gochuu danda'a ree?" in jenna.**

**13:1**
**NASB "wal jaallachuun obbolootaa haa jiraatu"**
**NKJV "wal jaallachuun obbolootaa haa jiraatu"**
**NRSV "wal jaallachuun haa jiraatu"**
**TEV "wali walii keessan jaallachuu akka kristaanaatti itti fufaa"**
**NJB "wali walii keessan akka obbolootaatti wal jaalladhaa"**

Kun kan gochaa ammaa argisiisuudha (kan haalaa osoo hin taane, NASB akka hiikutti), hiikni isaas "obsuu" yookaan "itti fufuu" dha. Dubbiftootni kan isaan itti fufan "obboloonni wal jaallachuu" dha (Philadelphia, Rom. 12:10, 1Tas. 4:9, 1Phex. 3:8). Isaan yeroo darbeetti akkas godhaniiru (6:10, 10:32-35) akkasumas akka itti fufan ni jajjabeefamu. Innis Waaqayyo tokkichi akka beeku mallattoo ifaa dha (Yoh. 13:34-45, 15:12, 17, 1Yoh. 2:10, 3:11, 14, 17-24, 4:7—21, 2Yoha. 5).

Wal makaan phiiloo baay'een jiru.

1. Obbolloonni wal jaallachuu, lak. 1
2. Jaalala keessumootaa, lak. 2
3. Jaalala birrii, lak. 5

**13:2 "Keessumoota simachuu hin hir'aanfatinaa"** kun kan ammaa giddugaleessa (kan mirkanneessu) kan argisiisuu dha. Innis kan "phileo" fi "keessummaa" wal makaa dha, jechuun"keessumootaa jaallachuu." Yeroo sanatti bakki boqonnaa keessumootaa hin ture, hootela safu-maleessa irraa kan hafe, isaanis baay'ee gatiin isaanii guddaa turan. Kristaanonni kan waamaman karaa biraadhaan tajaajiltootni mana isaani akka bananiif, (Mat. 25:35, Rom. 12:13, 1Xim. 3:2, Tit. 1:8, 1Phex. 4:9, 2Yoh, Didache 11:4-6).

⊡ **"Utuu hin beekiin ergamaa keessummeessuuf fudhataniiru"** kun kan Uma. 18 kan eeruu dha, Abirahaam ergamoota sadii wajjin kan inni wal arge, isaanis namoota kan fakkaatan (dabalataanis Xoobit boqonnaa 4-7). Ergamaan Gediyoonittis mul'ataniiru (Abo. 6), Manuhe (Abo. 13), Loox (Uama. 19), Aggaar (Uma. 21). Kana jechuun kristaanoonni ergamootaan ilaalamuutu isaan irra jiraata jechuu miti, namoonni durii keessumoota simatanii eebba akka argatan, akkasumas immoo amantootni akka godhan malee.

**13:3 "Warra hidhaman yaadadhaa"** kun kan ammaa giddu galeessa (kan mirkaneessu) xiyyaafataa. Isaan dubbiftootni sagalee Kristoos duuka bu'aniiru Mat. 25:44-45, akkasumas Ibr. 10:32-36 irratti amantoota biroo gargaareerra. Hidhamuun isaanii hojii hamaadhaan hin turre, ta'us garuu Kristoositti amanti qaban malee (1Phex. 4:14-15). Hidhaan jiraachuu kan danda'uu dha, amantoota durii, ammas amantoota <u>baay'ee irraatti</u> addunyaa ammaatiin dabalataan akka ta'u.

⊡ **"Isaanii wajjin akka hidhamtan taatanii"** kun kan inni argisiisu (1) qaama foonii (2Qor. 12:2, caaseefama Girikiin kan wal fakkaatu) hari'atamaa fi hidhamuu ta'uu kan danda'uu yookaan (2) qaama Kristoos (ammam illee barreefamichi kan eegame keeyata Girikii yoo qabaachuu baatees), waldaan kristaanaa, isheenis hari'atamaan midhamtuu kan taate.

**13:4 “Ga’iilli hundumaa duratti ulfina qabeessa haa ta’u”** gochama homaa hin qabu. Tokko kan isa argisiisuu “haa ta’uu,” yoo ittiin qixaates, egaa sagaleen isaa barsiisoota sobduu mormuudhaaf ta’uu danda’a (1Qor. 7;38, kunis gaa’illa akka safuutti durbummaa irra kan xiqqeessuu yookaan 1Xim. 4:3). Inni tokko kan argisiisu yoo ittiin qixaate, “dhiisu… haa ta’u…” NASB irratti akka godhame , lakk. 1 irratti, isa booda inni kan jajjabeessuu dha, aadaa waaqa tolfamaa safu-maleessa gar tokkootti jechuu mormuudhaaf (lak. 4 fillannoo kana ni deggera).

▣ **“Ciisichi isaas qulqulluu haa ta’u”** gaa’illi kennaa Waaqayyooti, hundumaaf kan ta’uu dha (Uma.1:28, 9:1, 7). Inni cubbuu yookiin kan nama yeelasiisu miti. Kan Girikii of ganuu yaad-rimee falaasamaa, foon hamaa dha, kanaaf fedhii isaa fi gocha isaa ganuun kan hafuuraa ta’uu guddaa argisiisa kan jedhu yaadni waldaa kristaanaa durii midheera! “kan hin xuroofne” jechi jedhu 7:26 faayidaa irra ooleera, kan Yesus qulqullummaa saalaa ibsuuf, angafa lubaa keenya. Innis Septuwajenti irratti faayidaa irra kan inni oole ejjummaa ibsuudhaaf.

Of-eeggachiifni kun walqunamtii saalaa of-eeggannaa hin qabne kan ilaalate aja’iibsiisaa kan inni ta’u kitaabni kun Yihudiif kan barreefamee dha. Jaarraa tokkooffaattii aadaa ormootaaf amallii isaa of-eegannaa kan hin qabne amala wal qunamtii saalaati, hawaasa Yihudii osoo hin taane. Waa’ee seenaa yoomessaa Ibirootaa fi fudhatootni ni baay’aatan sirri wanta hin taanetu jira.

▣ **“Halalee”** jechichi kakuu moofaatti hiiki isaa namoonni wal hin fuune lama gidduutti kan godhamu wal-qunamtii saalati, kakuu haaraatti garuu hiika bal’aa ta’e qaba, wal-qunamtiin saalaa kam iyyuu safu maleessa. Jechi Ingilliffaa “Parnoogiraafii” kan argatee jecha Girikii kana irraati.

▣ **“Ejjitoota”** kan inni argisiisu namoota gidduutti kan godhamuu wal-qunamtii saalaati, inni tokko yookaan lamaanu kan biraa wajjin yoo wal fuudhan. Cubbuun wal-qunamtii saalaa waldaa kristaanaa ishee durii irra guddaan dhimma yaachisu ture, safu maleessaa hamaa aadaa waaqa tolfamaa shaakala waaqefannaa wajjin kan wal qabate (Gal. 5:19-21).

▣ **“Waaqayyoo ni farada”** firdii Waaqayyoo, warra wal hin fuune wal-qunamtii saalaa namoota irratti argamuu ni danda’a (Rom. 1:24-32, Gal. 5:19-21, Efe. 4:19. Qol. 3:5, Mul. 21:8, 22:15. Ta’us, dubbifamooni kan biroon jiru, kan akka 1Qor. 5:5 fi 1Xim. 1:9-11, isaan gochawwan safu-maleessa amantoota raawwatan wajjin kan wal qabatan. Waldaan kristaanaa ishee durii jireenya amantootaa safu-maleessuumaan mudateera, kanaaf qajeelfamoota tokko tokkoo baasuudhaaf yaalteeti.

1. Qalbi jijjirachuutu isan irra jiraata
2. Amantootni kan biroon isan gargaaruu qabu (Gal. 6:1, Yaq. 5:16, 19-20)
3. Amantootni amantota safu-maleessa ta’an wajjin “dhi’oo” firooma qabachuun isaan irra hin jiraatu (1Qor. 5:9-13).

Dhuga-baatii safuu, gaa’ila cimaa, keesummaa simachuu, fi wal jaallachuu obbollootaa yeroo ammaattis wanta isa guddaa dha, jaarraa tokkooffaatti akka ture.

**13:5**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **“amalli keessan horii jaallachuu irraa bilisa ba’uu mirkaneefadhaa”** |
| **NKJV** | **“amalli keessan sasata malee haa ta’u”** |
| **NRSV, TEV** | **“jireenya keessan horii jaallachuu irraa eeggadhaa”** |
| **NJB** | **“horii jaallachuu jireenya keesssan irraa dhabamsiisaa”** |

Addunyaa gochamaa, irra deebiin kan inni argisiisu ilaaleera. Maqaan isaa wal makaa dha, kan

1. Alta’aati aanee
2. Phileo (wal makaa sadaffaa phileo lak. 1 as). Jaallachuu
3. Qarshii saantimaa

Inni “Birrii kan jaallatu hin jedhu” rakkoon isaa birri miti, ta’us garuu birrii jaallachu dha malee (Luq. 12:15, 16:14, 1Xim. 3:3, 6:10, 17-19, 2Xim. 3:2).

▣ **“Kan isin qabdan isin haa ga’uu”** kun hoji irra kan oole keeyata ammaati bifa xiyyaafatuun faayidaa irra kan oole. Kun dhimma furtuu gammachuuti. Innis fooniinii fi kan ammaa irratti kan hin xiyyaafanne ilaalcha adduunyaati. Waan qabaniin gammaduu Waaqayyo irraa kan ta’ee kennaa ajaaibsiisaa dha, amantiidhaan fudhachuun kan ta’uu fi guyyaa guyyaatti kan jiraatan (2Qor. 9:8, Fil. 4:11-12, 1Xim. 6:6-10).

▣ **“Sin gaddhiisuu raawwadhees si hin dhiisu”** kun luqisii gadidhiifamaa dha, xiyyaaffannoo dacha lamaaniitiin alta’aa, abdii Waaqayyoo irraa kan fudhatame, geggeesitootaaf amantootaaf. Waaqayyo nu wajjini fi kan keenya (Kes. 31:6-7, Iyy. 1:5, 1Sen. 28:20, Isa. 41:10, 13, 14, 17), amantootni guyyaa guyyaatti kan isaan barbaachisu sodaachuun isaan irra hin jiraatu (Mat. 6:19-34).

**13:6 “Gooftaa”** kun Septuwajentii irraa Faru. 118:6 kan eeramee dha, ta’us garuu dhugaa wal fakkaataa kana Faru. 56:4, 11 irratti argama.

▣ **“Waaqayyo gargaaraa kooti”** Faru. 118 jecha jabaa dha, jaalala Waaqayyoon, dhiifamaan, argamuun, fi gargaarsa isaati waa’ee amanachuu.

“Kan gargaaruu” maqaan jedhu as qofatti kakuu moofaatti faayidaa irra kan inni oole (ta’us garuu gochamichi Ibr. 2:18 irra jira), inni garuu LXX irratti yeroo hundumaa faayidaa irra ni oola. Hiikni isaas “gargaarsa gochuu” “tokko fayyisuuf itti dhi’aachuu” dha.

▣ **“Namni maal na godha”** dhugaan guddaan kun (Faru. 56:4, 11, 118:6) irra deebiin jecha garagarummaa muraasa qabu Rom. 8:31 irratti taa’ee isa booda 8:32-39 irratti ilaalaniiru.

## IBROOTA:13:7-16

**7Warra isin geggeessanii, dubbii Waaqayyoo isinitti himanii turan yaadadhaa! Attamitti akka jiraatan akka du’anis, jireenya isaanii keessaa wanta argames ilaalaa, fakkeenya amantii isaanii fudhadhaa duukaa bu’aa. 8Yesus Kristos kaleessa isuma ture, har’as bara baraanis isuma sana. 9Barsiisa garaa garaatiin, barsiisa orma ta’e hundumaanis karaa irraa hin kaachifaminaa! Garaan namaa waa’ee seeraa wanta nyaatamuuf of eeggachuudhaan utuu hin ta’in, ayyaana Waaqayyootiin jabina argachuun gaarii dha; seerri nyaataa sunoo warra isa eeggataniif iyyuu waa’ee hin baafne. 10Nuyi iddoo aarsaa warra godoo sana keessa hojjetan irraa nyaachuun hin kennaminiif qabna. 11angafni lubootaa dhiiga horii aarsaaf qalamanii, aarsaa cubbuutiif gara iddoo isa hundumaa irra caalaa qulqulluu sanatti ol in galcha, foon horii sanaa garuu idoo buufataa keessaa gad baafameein gubama. 12Yesusis akkasuma dhiiga ofii isaatiin saba qulleessuudhaaf karra mandarichaa duubatti dhiphate. 13Kanaafis kottaa nuyi arabsoo isa irra ga’ee baannee, iddoo buufataa duubatti gara isaa ni dhaqnaa! 14Nuyi mandaricha isa dhufuuf jiru in eegganna malee, biyya lafaa kanaa mandara dhaabataa hin qabnu. 15Egaa kottaa karaa isaa utuu garar hin kutin, aarsaa galataa Waaqayyoof in dhi’eessinaa! Aarsichis maqaa isaa beeksisuudhaaf wanta afaan keenya keessaa ba’uu dha. 16Wanta gaarii gochuu, waan qabdan warra kaaniin ga’uus hin dagatinaa! Waaqayyo aarsaa akkasitti in gammada.**

**13:7 “Yaadaa”** kun gocha ammaa irratti kan xiyyaafatuu dha. Tokkummaan isaas geggeesitootaaf kadhachuu fi isaaniin waa’ee kabajuuti! Kun kan adda ta’e, ta’us garuu lak. 3 wajjin jecha wal fakkaatadha. Amantootni dammaqoo ta’uutu isaan irraa eegama, geggeesitoota isaaniif tajaajila jaallatamaaf kadhachuu fi kabajuun, qaama Kristoos (lak. 3) fi geggeesitoota isheef (lak. 7, 17, 24, 1Tas. 5:12-13).

⊡ **“Kan isin geggeessaniif”** lak. 17 fi 24 geggeesitoota yerichaa ilaalata, kanaaf lak. 7 kan inni argisiisu jalqaba wangeela kan lallaban geggeesitoota, amma garuu du’aniiru.

⊡ **“Sagalee Waaqayyoo kan isinitti himan”** kun gocha geggeesitoota kristaanootaati. Isaan argama mataa isaanii yookaan kan dhuunfaa/yaalii aadaa hin lallabne, ta’us garuu wangeela Yesus Kristoos malee. Kana irraan kan ka’ee isaan kabajna, ulfinas in laannaaf, isaaniifis in kadhana.

⊡ **“Ija jireenya isaanii ilaalaa”** kun kan gocha ammaa keeyata Booz, akka argisiisaatti faayiidaa irra kan oole. Isaan geggeesitootni kun, boqonnaa 11 irratti akka jiran waamamuun isaa fakkeenyonni amanamoon, amanamaa taatetta, jireenyattis ta’ee hanga du’aatti. Jireenyi isaanii dhuga-ba’aa, dhugummaa ergaa isaaniif.

⊡ **“Fakkeenyummaa amantii isaaniif”** kun kan ammaa giddugaleessaa (mirkaneessaa) kan argisiisuu dha. Barreessaan keenya dubbiftootaaf waamicha godha, geggeesitoota isaanii amantiidhaan akka fakkaatan. Phaawulos yeroo hundumaa amantoota ni jajjabeessa, amantiidhaan akka fakkaataniif (1Qor. 4:16, 11:1-2, Fil. 3:17, 4:9. 1Tas. 1:6, 2Tas. 3:7, 9).

**13:8 “Yesuus. Sanuma”** amalli kakuu moofaa boqonnaa 11 irratti kan jiran fakkeenyoota gaarii dha, kan dursanis ta’e geggeesitootni yeroo ammaa fakkeenya gaarii dha, Kristoos fakkeenya keenya isa caaluu dha. Amallii isaa fi amanamummaan isaa raawwatee hin jijjiramu (Faru. 102:26-27, Ibr. 1:12 irratti kan eerame). Kunis wal fakkaataa labsii barumsa hafuuraa Yaahiwwee kan ilaalate jedhameera, Mil. 3:6 irratti. Amala Waaqayyoo fi araarri isaa dhaabbataa dha, akkasumas immoo kan Yesus Kristoos.

**13:9 “Hin fudhatinaa”** kun gocha ammaa kan argisiisuu dha keeyata alta’aan, innis yeroo hundumaa kan inni jedhu duraan dursee adeemsa irratti gocha qabnuu dhaabuu dha. Dhageefatootni tokko tokkoo “gara boodeetti deebi’uu” yaadaa turan (2:1, 10:38). Keeyatni gochaa kan inni argisiisu kan seexanaa yookaan gocha hafuura hamaati.

⊡ **“Kan gosa adda addaa kan ta’ee barumsa keessuummaa”** kun dhugumatti maal of-keessatti akka qabatuu amansiisaa miti, ta’us garuu shaakala Yihudii fi waaqa tolfamaa wajjin wal makaa kan ta’ee dha kan yakkame, Qol. 2:16-23 irrati.

Ana akka natti fakkaatuutti walakkaan boqonnaa 13 cufiinsa Phaawuloosi, mana waaqefannaa yihuudii irratti kan dhaabame, walakkaan boqonnaa kanaa (jechuun, lak. 4-5) yoomeessawaldaa kristaanaa wal makee wajjin wal sima, mana waaqefannaa Yihudii osoo hin taane.

⊡

| | |
|---|---|
| **NASB** | **“lapheen keessan ayyaanaan yoo jabaate gaarii dha”** |
| **NKJV** | **“lapheen keessan ayyaanaan yoo cimee gaarii dha”** |
| **NRSV** | **“lapheen keessan ayyaanaan yoo jabaatee mishaa dha”** |
| **TEV** | **“cimina keessaa ayyaana Waaqayyoo irraa fudhachuun gaarii dha”** |
| **NJB** | **“cimina keessaf ayyaana isaa amanachuun kan wayyuu dha”** |

Kun gocha yeroo ammaa hin murtoofnee dha. Isaan dhageefatootni kun cimanii kan hundaa’aan yoo ta’an ni ta’a, seera waaqefannaan osoo hin taane, aarsaa horii yookaan seerata nyaataa osoo hin taane, ta’us garuu kan nu hin galchineen, ayyaana Waaqayyo itti hin dadhabne, Yesuus Kristoosiin (jechuun, wangeela, lak. 7). Isaan mamaa turan Musee fi Yesuu gidduu. Yesus kan hin jijjiramne jecha abbaa, ulaagaa jecha kakuu jalqabaa irraa baay’ee kan caaluu dha.

Amala Waaqayyoo kan hin jijjiramne fi jaalala isaa hubachuu, baay’ee ifaa ta’ee ibsameera, jireenya Yesuusiin, barumsaan, fi du’aan(wangeela), kunis amantootaaf cimina kan kenuuf. Yaadni

lapheen amantootaa jabaataa deema, wangeelaa beekuu fi tiksee isa guddaa wajjin walitti dhuunfeenya dhuunfaa gochuun, seerata waaqefannaa alaa fi ulaagalee osoo hin taane (kakuu Musee isa moofaa).

Barreessan kun yeroo hundumaa "laphee" dhimma hafuuraa kaasaa (mata-duree addaa 3:8 irratti ilaali). Inis barreefamoota kakuu moofaa baay'ee eera.

1. 3:8, 15, 4:7, "laphee keessan hin jabeessinaa" (Faru. 95:8)
2. 3:10, "Lapheen saanii karaa sirri irraa kaatani deeman" (Faru. 95:10)
3. 8:10, "Laphee isaanittis in barreessuu" (Erm. 31:33)

Sana booda innii dhugaawwan kana walitti qabata 3:12, 4:12, fi 10:22 irratti. lapheen sammuu mucaa namaa, miira, fi kallattiwwan feedhiini bakka bu'a. Kristaanummaan kan hojjetu mucaa namaa kufee fedhii keessaa irratti, duubessi isaa garuu Yihudummaan kan dadhabe.

▣ **"Laphee"** mata-duree addaa 3:8 irratti ilaali.

▣ **"Nyaataan miti, kanaan kan hojjetan itti hin fayyadamne hoo"** kun ifaa kan ta'ee kan Lewwoota 11 kan eeruu dha. Seeratni nyaataa Kristoosiin darbeera (Mat. 15:11, Mar. 7:18-23, HoE. 15), ta'us garuu yoomessa waldaa Kristaanaan, amantootni damaqoo ta'uutu isaan irraa eegama "obboloota dadhaboo" (HoE. 15:19-20, Rom. 14:1-15:6, 1Qor. 8, 10:23-33) dadhabaa qalbii isaanii gufachiisuu dhiisuu.

**13:10 "Iddoo aarsaa qabna"** fakkenyi isaa kan hafuuraa fakkaata (kan waaqa irraa) mana qulqullummaa, iddoo aarsaa foonii osoo hin taane, fi kanaaf, inni kan inni argisiisu hojii aarsaa ta'uu Yesuusi, bakka amantootaa. Inni fakkiduu dha, Kristoosiin gara Waaqayyootti dhi'aachuu keenyaan.

▣ **"Mirga nyaachuu hin qaban"** kun kan Lewwoota 16 kan eeruu kan biraa dha.

**13:11 "Waa'ee cubbuuf aarsaa, foon isaanii garuu mandaraan duubatti hin gubata"** kunis kan eeruu kan biraa dha, Lewwoota 16:27 ulaagaa, guyyaa haroomsaa.

**13:12 "Yesuus…balbalaan alatti rakkina fudhate"** kun akkaataa fayyadamaa jechaa barsiisootaati, akka aarsaa kakuu moofaa, mandaraan alatti akka godhaman, Yesusis magaalaa Yerusaalemiin alatti fudhatameera, akka fannifamuuf.

**13:13 "Kanaf gara isaatti gara mandaraan laatti haa baanuu"** kun lak.furtuu kitaabichaati. Inni kan ammaa giddugalleessa (kan mirkaneessu) haala kan ibsuu dha, gocha itti fufiinsa qabu kan ibsuu fi waanta eegachiisaa kan itti dabalu (kun yaadachiisa dhumaatii fi of-eeggachiisa, "gara booddeetti kan deebi'an"). Amantootni isaa wajjin ifatti mul'achuutu isaan irra jiraata, akkasumas tufatamuu isaa baachuutu isaan irra jiraata, rakkoo akkamii iyyuu yoo fidees. Kun waamicha ifaa ta'ee dha, kan isaan kanaa mana waaqefannaa Yihudii "dahoo" amantoota, gara ergama isa guddaa kristaanumaan gara guutuummaa ifaatti akka sosocho'aaniif (Mat. 28:19-20, HoE. 1:8).

**13:14 "Magaalaa"** kun fakkiiduu waaqa irraati, magaalaa Israa'eel fayyadamuudhaan, biyyatti abdii (11:10, 16, 12:22, Yoh. 14:2). Fakkiduun wal fakkaataan 11:14 irratti argama, "biyya."

**13:15 "Isaan"** kun Yesusii dha kan inni argisiisu, maqaa isaan kan eerame, lak. 12 irratti, innis saba kan qulleessee dhiiga ofii isaa aarsaa gochuu, mandara Yerusaaleemiin alatti. Faayidaan hafuuraa hunduu kan isaan dhufan isaan!

▣ **"Egaa yeroo hundumaa aarsaa galataa haa dhi'eesinu"** kun gochama gocha haala yeroo ammaa ibsuu dha. Seerata aarsaa, Israa'eeliif kan kenname, Waaqayyo wajjin tokkummaa guddisuuf, aarsaa gosa shan of keessatti qabata.

A. Lammanuu kan dirqisiisan turan
   1. “Aarsaa cubbuu”
   2. “Kan irra daddarbaa yookaan kan yakkaa” aarsaa
B. Sadanuu fedhiidhaan turan
   1. Guutuummaatti aarsaa gubamu
   2. Kan midhaanii/nyaataa aarsaa
   3. Kan tokkummaa, yookaan kan nagaa, aarsaa

Kan dhumaa sadan kanaa sadanuu wajjin kan wal qabatee dha, galata dhi’eessuudhaa fi yaad-rimee kadhataa kan eerame (Lew. 7:12). Isaan aarsawwan kun Lewwoota 1-7 irratti tarreefamaan ibsameera. Faarfannichi kan akka kanaa kallatti waaqefannaa yeroo hundumaa eeru (Faru.27:6, 50:14, 69:30, 107:22, 116:17). “Aarsaa galataa” kan jedhu galatni kan dhufe septuwajenti irraati (Lew. 7:2, 3, 5, 2Sen. 29:31, 33:16, Faru. 49:14, 23, 106:22).

▣ **“Ija afaani”** gaaleen kun kan inni eeru Isa. 57:19 dha, Septuwajentii irraa. Gaaleewwan kana fakkaatan yeroo bittaa Isra’eelootaatti faayidaa irra oolaa ture, bakka aarsaa horii jecha galataa dhi’eessuudhaan, manni qulqullummaa isaa guutuu guutuutti sababa diigamuu isaa, bara haraaraa 586, Nabuadinaxoriin II, mootii Babiloon ishee haaraa. Innis irra deebiin Roomitti bara haraaraa 70 digaameera. Kitaabni isaa yeroo inni barreefame amansiisaa miti.

▣

**NASB** **“namaaf galata kennuu”**
**NKJV** **“namaaf galata kennuu”**
**NRSV** **“namaaf ragaa kan ba’uu”**
**TEV** **“isa akka gooftaatti dhugaa kan ba’u”**
**NJB** **“ namaaf ulfina kan kennan”**

Akka amantootaatti Waaqayyoof galatni ni kenninu, dhuga-baatii keenya (homologeo) Yesusiif (maqaa isaa fayyadamuun akka Mat. 28:19-20 yookaan Rom. 10:9-13) akka gooftaa (NJB, isas Fil. 2:6-11 kan calaqqisiisu).

**13:16 “Wan gaarii hojjechuu hin hir’aanfatinaa”** kun kan ammaa kan argisiisuu keeyata alta’aa dha, innis yeroo hundumaa kan inni ta’u adeemsa irra kan jiru gocha dhaabuudhaaf. Waaqayyo itti gammada, ijoolleen isaa wali walii isaanii yoo jaallatanii fi yoo wal gargaaran (Fil. 4:18).

▣ **“Hirmaachuu”**

## MATA DUREE ADDAA: KOINŌNIA

“Tokkummaa” (*koinōnia)* jechuun

1. Nama tokko wajjiin hariiroo lama qabaachuu
   a. Ilmaa wajjiin (CF. Yoh 1:6; I Qor 1:9)
   b. Hafuura qulqulluu wajjiin (Cf II Qor. 13:13; Fil 2:1)
   c. Abbaa fi Ilmaa wajjiin (Cf I Yoh. 1:13)
   d. Abolaa kakuu warra kaanii wajjiin (Cf I Yoh 1:7; HE 2:42; Gal 2:9; Filemon 17)
2. Wantootaa wajjin, gartuuwwan garaa garaa wajjiin hariiroo cimaa qabaachuu
   a. Wangeelaa wajjiin (Cf.Fil 1:5; Filemona 6)
   b. Dhiiga Kristoosii wajjiin (Cf I Qor 10:16)
   c. Dukanaa wajjiin hariiroo qabaachuu dhiisuu (Cf. II Qor. 6:14)
   d. Dhiphina isaa irraa hirmaachuu (Cf Fil.3:104:14 I phex 4:13)
3. Kennaa yookiis hirmaannaa garraamummaadhaan godhamu (Cf Rom 12:13; 15:26; II Qor . 8:4:9:13; Fil 4:15; Ibi 13:16)
4. Kennaa ayyaanaa Waaqayyoo karaa krristos kennamu, isa tokkummaa dhallii namaa Waaqayyoo wajjiin qabuu fi obboloota isaa wajjiin qabu deebisee ijaaru dha kun immoo hariiroo namni namaa wajjiin qabu

isaa hariiroo namni uumaa isaa wajjiin qabu irraa dhufu ibsa akkasumas, barbaachisummaa fi gammachuu tokkummaa kristiyaanotaa calaqisiisaa. Caasaan nima kanaa gochi kun jalqabee itti fufuu akka qabu cimsee hubachiisaa (Cf1:3 (yeroo Lama) 6, 7 Kristiyaannummaan walii gatee dha!

▣ **"Aarsaan akka kanaa Waaqayyoon gammachiisa"** lak. 15 irratti fudhatama kan qabu aarsaan Kristoosiin kan dhugaa ba'aameef amantii yeroo ta'u, amma jireenya Kristoosiin fakkaachuuti. Wangeelli dhugumatti lammannuu isaati!

## IBROOTA: 13:17

**17Geggeessituun keessan akka warra itti gaafatamanii waan hojjetan himuuf jiraniitti, waa'ee lubbuu keessaniif dammaqanii waan yaadaniif, isin isaaniif abboomamaa karaas kennaaf! Kanas gaddaan utuu hin ta'in, gammachuudhaan akka isaan hojjetan godhaa! isaan gaddaan yoo hojjetan garuu isiniif ba'eessa miti.**

**13:17 "Abboomamuu…. Bitamuu"** kun gocha yeroo ammaati (A. T. Robertsan innis sagalee giddu galeessaan galmeesseera) kan argisiisuu fi gocha ammaa kan argisiisu. Ammam illee namootni dhuunfaa Kristoosiin bilisa yoo ta'aanis, mataa keenya abbooti taayitaa hafuuraaf kennuutu nurra jiraata, guddaachuudhaaf tajaajilaaf (Lak. 7, 1Qor. 16:16, 1Tas. 5:12-13).

Sagaleen jajjabinaa kun, geggeesitoota kristaanaaf bitamuu bara keenyatti baay'ee barbaachiisa, kan akkasii kan ta'ee abbaa aboof kan itti hin ulfaanne, akkasumas mirga namoota dhuunfaa fi aboon kan itti raajjeefame. Waaqayyoo tokko tokkoo geggeesumaadhaaf kaa'eera, saba isaa gidduutti (Lak. 16:3-5 yaadannoo). Kan nu isaan kabajnuuf waan isaan waamamaniif, waan leenjifamaniif, waan kennamaniif, fi sababa tajaajila isaaniitiif. Ta'es, faallaa kan ta'e "boolli" jira. Waamicha Waaqayyoof namoota ajaja isaanii namootni dirqamaan akka hojjetan nama barbaaduu namootni dhuunfaa karaa sirrii hin taaneen faayiidaa irra ni oola. Wal madaalchisuun jiraachuutu irra jiraata, wal kanajuu, hafuura wal gargaaruu, namoota Waaqayyoo fi geggeesitoota Waaqayyoo gidduu. Amantootni hunduu kan waamamaniif wali walii isaaniif akka abboomamaniif dha, Ulfina Kristoosiif qabaniif jecha (Efe. 5:21)

▣ **"Isaan ni eegu"** jechi kun hiikni isaa "dammaquu, "dammaqanii eeguu" (Mar. 13:33, Luq. 21:36, Efe. 6:18), innis obsaan eeguu fi fakkiiduu tajaajilaati (Isa. 62:6, Hiz. 3:17, 33:7-9).

▣ **"Itti gaaffatamummaa akka kennaman godhanii"** geggeesitootni waa'ee tajaajila isaan godhanii itti gaaffatamummaa qabu, Waaqayyoofis deebii kennu (1Qor. 3:10-15). Tiksoota!

▣ **"Kanas gammachuudhaan malee gaddaan akka hin goone"** tokkummaa amantootaa ilaalchi tajaajilaa hin murteessu, ta'us garuu adeemsa isaa gammachiisaa yookaan gaddisiisaa godha.

## IBROOTA: 13:18-19

**18Nuyii karaa hundumaa waan gaarii hojjechuuf hawwa waan qabnuuf, yaadni gara keenyaa akka nu hin ceephaane hubanneerra; isinis nuuf kadhadhaa! 19Caalaadhumatti iyyuu ani dafee deebi'ee akkan isiniif kennamuuf, cimsitanii akka kadhattan isinan gorsa!**

**13:18 "Nuuf kadhadhaa"** geggeesitootaani fi geggeessitootaaf kan godhamuu kadhanni baay'ee murteessaa dha (Efe. 6:18-19, Fil. 4:6, 1Tas. . 5:25, 1Xim. 2:1-2, 8). Kan lakkoofsa baay'ee argisiisuu kan inni danda'u Ximotihoosiin kan dabalatee garee tajaajilaati (lak. 23).

▣ **"Waan hundumaan waan gaarii hojjechuun akka jiraannu jaallanne, yaada garaa gaarii akka qabnu hubanneera"** ilaachaa fi akkaatee jireenyaa bu'uura geggeesumaa buusa. Barreessan Ibirootaa

"yaada garaa" yeroo baay'ee eereera (9:9, 14, 10:2, 22, 13:18). Humna furuu Yesusii fi kan nurra buluu hafuura qulqulluu soda Waaqayyoo fi yeelasisaa cubbuu darbee dhabamsiiseera, kanaaf gammachuudhaan, nagaa, wal amanuutti jijjireera, hojii namaan osoo hin taane, ta'us garuu Wangeelaan! Beekumsi wangeelaa kun, barneexaa fayyinaati (Efe. 6:17, 1Tas. 5;8).

Tarreesitootni tokko tokkoo lakkoofsa kana kan isaan ilaalan komii adda addaa wajjin akka wal qabatuutti, barreessichi kan inni mul'atef (Phaawulos haala inni keessa ture wajjin kan wal fakkaatu, 1Qor. Fi Galaatiyaa irratti).

**13:19** kun irra caalmaan isaa lakkoofsa iciitiiti. Dhufaatiin barreessichaa kadhannaa isaanii wajjin akka waan walitti dhufuu. Kun baay'inaan Phaawulosiin fakkaata (Fil. 22). Kadhannaan humna bu'a qabeessuummaa Waaqayyoo tajaajilaaf gadi dhiisa. Kadhanaan amantootaa Waaqayyoodhaanis ta'e kan biroo irratti dhiibbaa qaba.

Tarreesitootni tokko tokkoo (Fak. H. E. Daana kiristaanummaa Yihudii fuula 268) kan inni tilmaamuu kan inni eeruu dhukkubii barreesichaati, yookaan irra caalaa hidhamuu ("hariifadhee" jechi jedhuu waa'ee Ximotihoos faayiidaa irra ooleera, lak. 23 irrratti).

## IBROOTA:13:20-21

**20Ammas Waaqayyo inni nagaa kennu dhiiga kakuu bara baraa sanaan, gooftaa keenya Yesusin, tiksee hoolotaa isa guddicha warra du'an keessaa deebisee fideera. 21Innumti wanta isa gammachiisu karaa Yesus Kristoos nu keessatti hojjechuudhaan, jaalala isaa akka gootaniif, waan gaarii hundumaan isin ha qoheessu! Kristoosiif baruma baraan ulfinni haa ta'u! Ameen.**

**13:20 "Egaa Waaqa nagaa"** kun kan Waaqayyoo abbaa waamamni asitti fi barreefama Phaawulos qofaan faayidaa irra kan inni oole (Rom. 13:33, 16:20, 1Qor. 14:33, 2Qor. 13:11, Fil. 4:9, 1Tas. 5:23, "gooftaa nagaa" 2Tas. 3:16).

▣ **"Warra du'aan keessa kan baasee"** kakuu haaraan baratamaan kan inni argisiisu Waaqayyo abbaan Yesus du'aa akka isa kaasuu dha (HoE. 2:24, 3:15, 4:10, 5:30, 10:40, 13:30, 33:, 34, 37, 17:31, Rom. 6:4, 9, 10:9, 1Qor. 6:14, 2Qor. 4:14, Gal. 1:1, Efe. 1:20, Qol. 2:12, 1Tas. 1:10). Kun kan inni argisiisu, abbaan jireenya Yesus, barumsa, fi aarsaa fudhachuu isaa. Ta'us, barrrefamoonni kan biroon jiru qaama du'aa ka'uuf hafuura qulqulluu ta'uu isaa kan mirkaneessan (Rom. 8:11) yookaan ilmi mataan isaa (Yoh. 2:19-22, 10:17-18). Dubbii barumsa hafuuraan, sadanuu qaamni sillaasee hunduu furuudhaaf hojii irratti hirmaataniiru.

▣ **"Tiksee hoolotaa isa guddaa"** "tiksee" jechi jedhuu kakuu moofatti fakkidummaan isaa

1. Yaahiwwee (Uma. 49:24, Faru. 23:1, 78:52, 80:1, Lal. 12:11, Isa. 40:11, 63:11, Erm. 31:10, Hiz. 34)
2. Geggeesummaa saba isaati (Erm. 10:21, 50:6-7, Hiz. 34:2-3, 11:3, 5, 15, 17)
3. Masihii dhufuu, mucaa Daawit (Faru. 78:70-72, Hiz. 34:23-24, Mik. 5:4, 7:14, Zak. 13:7, Yoh. 10:2, 11, 14, 1Phex. 2:25, 5:4)

Kakuu moofaatti yeroo baay'ee, (Lak. 27:17, 1Mot. 22:17, 2Sen.18:16, Hiz. 34:5, Zak. 10:2) sabni Waaqayyoo mul'ateera, akka facca'ee fi tiksee malee, amma garuu tiksee inni guddaan dhufeera. Innis nu fayyiseera, nu wajjinis!

▣ **"Dhiiga isaan"** kun kan inni argisiisu jireenyadha, kakuu haaraan kan ittiin eebbifame (9:11, Mar. 14:24, 1Sen. 11:25).

▣ **"Kakuu bara baraa"** kan adda addaa "bara baraan" kakuuwwan adda baasaani ka'uun nama rakkisa, sababni isaa warri Ibirootaa akka argisiisan, kakuun Musee kan haalaa ture, dadhabii namaa irraan kan ka'e kan bara baraa hin ture. Kakuu moofaan kan haalaa fi kan haalaa kan hin taane

kakuuwwan galmeeseera (jechuun, Ba'uu, Uma. 15:17-21). Abirahaam wajjin kakuun turee, isaanis ormootni hunduu kan eebbifaman, haala irratti kan hundaa'ee miti (jechuun, kakuu bara baraa), kanaaf kan bara baraa (Uma. 17:7, 13, 19, Faru. 105:9-10). Daawiti wajjin kakuu inni qabu, jalqaba 2Sam. 7 kan mul'atee gaaddiduu Masihiiti, mucaa Daawit, innis haala irratti kan hundaa'ee kan hin taane, kanaaf bara baraan (Faru. 89:3-4). Kakuu haaraan kan inni eerame akka bara tolaa isa haaraatti (bara hafuura qulqulluu isa haaraa) saba Waaqayyoof (Isa. 55:3, 59:21, 61:8, Erm. 31:33, 32:40, 50:5, Hiz. 16:60, 37:26). Asi irraa ilaaluun ni danda'ama, yeroo Yesusitti kan turan Yihudoonni ergaa isaan akkam akka rifatan. Inni yeroo hundaa karoora furuu Waaqayyooti, ta'us garuu kan Israa'eel seera Waaqayyoo eeguu dhiisuun kufaati, innis Museef kan kenname, kan biraan karaa fayyinaa barbaachiisu isa argisiisa, hojii namaa caalaa (Gal. 3). Mata-duree addaa: kan bara baraa 6:2 irratti ilaali.

## MATA DUREE ADDAA: BARA BARAAN (*OLAM*)

Sirrii hiikkaa jecha 'olam, צולם (BDB 761) wanta mirkanaa'ee miti (NIDOTE, waraabbii 3, f. 345). Inni miira danuu keessatti faayidaarra oole ture (yeroo baay'ee dubbisaan murtaa'a) kanneen armaan gadii fakkeenyota filataman qofaadha.

1. Wantoota durii
   a. Namoota (saba) Uma. 6:4; 1Sam. 27:8; Er. 5:15; 28:8
   b. Iddoowwan Isa. 58:12; 61:4
   c. Waaqayyoo Far. 93:2; Fak. 8:23; Isa. 63:16
   d. Wantoota Uma. 49:26; Iyo. 22:15; Far. 24:7, 9; Isa. 46:9
   e. Yeroo, Kes. 32:7; Isa. 51:9; 63:9,11
2. Yeroo fuulduraa (egerii)
   a. Jireenya nama tokkoo, Ba'u. 21:6; Kes. 15:17; 1Sam. 1:22; 27:12
   b. Mootiidhaaf raayjessa, 1Mot. 1:31; Far. 61:7; Nah. 2:3'
   c. Jireenya itti fufeenya qabu,
      (1) Lafa, Far. 78:69; 104:5; Lal. 1:4
      (2) Waaqota, Far. 148:6
   d. Jiraachuu Waaqayyoo
      (1) Uma. 21:33
      (2) Ba'u. 15:18
      (3) Kes. 32:40
      (4) Far. 93:2
      (5) Isa. 40:28
      (6) Er. 10:10
      (7) Dan. 12:7
   e. Kakuu
      (1) Uma. 9:12, 16; 17:7, 13, 19
      (2) Ba'u. 31:16
      (3) Lew. 24:8
      (4) Lak. 18:19
      (5) 2Sam. 23:5
      (6) Far. 105:10
      (7) Isa. 24:5; 55:3; 61:8
      (8) Er. 32:40; 50:5
   f. Daawit wajjin Kakuu adda ta'e
      (1) 2Sam. 7:13; 16, 25, 29; 22:51; 23:5
      (2) 1Mot. 2:33, 45; 9:5
      (3) 2Sen. 13:5
      (4) Far. 18:50; 89:4, 28, 36, 37
      (5) Isa. 9:7; 16:5; 37:35; 55:3
   g. Masihii Waaqayyoo

(1) Far. 45:2; 72:17; 89:35-36, 110:4
(2) Isa. 9:6

h. Seera Waaqayyoo,
   (1) Ba'u. 29:28; 30:21
   (2) Lew. 6:18, 22; 7:34; 10:15; 24:9
   (3) Lak. 18:8, 11, 19
   (4) Far. 119:89, 160
   (5) Isa. 59:21
i. Kakuuwwan (abdiiwwan, waadaawwan) Waaqayyoo
   (1) 2Sam. 7:1, 16, 25; 22:51
   (2) 1Mot. 9:5
   (3) Far. 18:50
   (4) Isa. 40:8
j. ajeewwan Abrahaamii fi Lafa Abdatame
   (1) Uma. 13:15; 17:18; 48:4
   (2) Ba'u. 32:13
   (3) 1Sen. 16:17
k. ayyaanota kakuu
   (1) Ba'u. 12:14; 12:14, 17, 24
   (2) Lew. 23:14, 21, 41
   (3) Lak. 10:8
l. Bara baraaf turuu bara baraa
   (1) 1Mot. 8:p 13
   (2) Far. 61:7-8, 77:8, 90:2; 103:17; 145:13
   (3) Isa. 26:4; 45:17
   (4) Dan. 9:24
m. Wanta Faarfannoonni jedhan amantoonni yoomiyyuu ni raawwatu.
   (1) Galata kennuu, Far. 30:12; 79:13
   (2) argamuu Isaa keessa jiraachuu, Far. 41:12; 61:4, 7
   (3) Aaraara Isaatti amanuu Far. 52:8
   (4) Waaqayyoon galateeffachuu, Far. 52:9
   (5) Galatoota faarfachuu, Far. 61:7; 89:1
   (6) Haqa Isaa labsuu, Far. 75:9
   (7) Maqaa Isa aulfeessuu Far. 86:12; 145:2
   (8) Maqaa Isaa eebbisuu, Far. 145:2

3. Lamaanuu yeroo keessaan duubatti fuulduratti, ni deemu (“bara hamma baraatti”)
   a. Far. 41:13 (Waaqayyoof galata)
   b. Far. 90:2 (Waaqayyoo ofii Isaa)
   c. Far. 103:17 (Jaalala qajeelummaa Waaqayyoo)

Yaadadhaa, yaadni dubbisaa hamma hiika jechaa ni murteessa. Kakuuwwanii fi abdiiwwan bara baraaf turan haala irratti kan hundaa'aniidha (san jechuun, Ermiyaas 7). Dubbisa Ilaalcha yeroo hammayyaa keessan ykn tooftaa ti'oolojii Kakuu Haaraa keessan gara itti fayydama jecha sirriitti dhangala'aa Kakuu Moofaa kamiyyuuttuu ofeeggadhaa. Kakuu Haaraan abdiiwwan Kakuu Moofaa kan walii galaa ni taasise.

**13:21**

| | |
|---|---|
| **NASB** | **“hojii gaarii hundumaaf gahaa isinaa godhu”** |
| **NKJV** | **“hojii gaarii hundumaaf muda-maleessaa isinaa godhu”** |
| **NRSV** | **“waan gaarii ta’ee hundumaaf guutuu isinaa godhu”** |
| **TEV** | **“waan gaarii hundumaaf isinaa qopheessuu”** |
| **NJB** | **“waan gaarii gosa kamiffuu…isinaa qopheessuu”** |

(*katartizo*) gochamni jedhu (darbee darbee gocha ammaa haala irratti hundaa’ee dha, inni fedhii fi hawwa ibsa). Hiikni isaas namni tokko yookaan wanta guutuu gahaa, guutuu, yookaan guutuu

guutuutti kan gahee gochuu dha (Luq. 6:40, 1Qor. 1:10. 2Qor. 1:10, 2Qor. 13:11, 1Tas. 3:10, 1Phex. 5:10). Akka barumsa hafuuraatti kun Efe. 2:10 wajjin wal cinadha. Fedha Waaqayyoo, amantootni bifa Yesus akka fakkaatan dha (Rom. 8:29), innis akkaataa jireenyaa gaarii kan qabu, kan badan gara Kristoositti kan booji'u.

⊡ **"Fedha isaa gochuun"** Yesus fedha abbaa godheera, akka tajaajilaa rakkina fudhatutti dhufuun isaa (10:7). Egaa tajaajiltoonni isaas immoo kan waamaman fedha isaa gochuudhaaf (10:36).

## MATA-DUREE ADDAA : FEDHA WAAQAYYOO (thelema)

**WANGEELA YOHAANNIS**

- Yesus kan inni dhufeef fedha Waaqayyoo gochuudhaaf (4:34, 5:30, 6:38)
- Abbaan ilmaaf kan inni kenne hundumaa guyyaa dhumaatti kaasuu (6:39)
- Hundumtuu ilmatti akka amananiif (6:29, 40)
- Kadhata akka deebisu, fedha Waaqayyoo gochuu wajjin kan wal qabatan (9:31 fi 1Yoh. 5:14)

**WANGEELOOTA DURSAN SADAN**

- Fedha Waaqayyoo gochuun wanta isa guddaa dha (7:21)
- Fedha Waaqayyoo raawwachuun obboleessaa fi obboleetti Yesus wajjin akka ta'an isaan dandeesisa (Mat. 12:5, Mar. 3:35)
- Eenyu iyyuu akka baduuf fedha Waaqayyoo miti (Mat. 18:14, 1Xim. 2:4, 2Phex. 3:9)
- Qaraniyoon fedha abbaa ture, Yesuusiif (Mat. 26:42, Luqa. 22:42)

**ERGAA PHAAWULOOS**

- Amantoota hundumaaf bilchinaa fi tajaajila (Rom. 12:1-2)
- Amantootni biyya lafaa hamaa kana irraa fayyaniiru (Gal. 1:4)
- Fedhi Waaqayyoo kaayyoo furuu isaati (Efe. 1:5, 9, 11)
- Amantootni jireenya hafuuraan guutame kan shaakalanii fi kan jiraatan (Efe. 5:17-18)
- Amantootni beekumsa Waaqayyoon akka guutaman (Qol. 1:9)
- Amantootni guutuu fi gahoo akka ta'an (Qol. 4:12)
- Amantootni akka qulqulla'aan (1Tas. 4:3)
- Amantootni waan hundumaafu galata akka dhi'eessan (1Tas. 5:18)

**ERGAA PHEEXIROOS**

- Amantootni waan gaarii gochaa (jechuun, abboottii taayitaaf abboomamaa) kanaaf namoota gowoota cal akka jechisiisan (1Phex. 2:15)
- Rakkina amantootaa (1Phex. 3:17, 4:19)
- Amantootni of isaanii irratti kan xiyyaafate jireenya jiraachuun irra hin jiraatu (1Phex. 4:2)

**ERGAA YOHAANNIS**

- Amantootni bara baraan ni jiraatu (1Yoh. 2:17)
- Amantootni furtuu kadhannaa deebifamanii (1Yoh. 5:14)

⊡ **"Isaaf bara amma bara baraatti ulfinni ha ta'uuf, Ameen"** gaaleen kun, barreefamoota Phaawulosii fi Pheexiroosiin baay'ee kan baratame, hiiki isaa rakkisaa kan ta'ee dha. Yeroo tokko tokkoo inni Waaqayyo abbaa eera (Rom. 11:36, Efe. 3:21, 1Phex. 4:11, Yih. 25, Mul. 1:6, 7:12), yeroo tokko tokkoo Yesus ilma (2Xim. 4:18, 2Phex. 3:18) yeroo tokko tokkoos lammanuu (Rom. 16:27, 1Xim. 1:17, Mul. 5:13 fi asitti). Barreessitootni kakuu haaraa wamaama wal fakkaataa ta'ee, gocha, fi gaaleewwan lamaanu abbaa fi ilma ibsuudhaaf itti fayyadamu, guutuu ta'uu Yesus nama Naazireet fi hafuurummaa isaa mirkanneessuuf.

⊡ **"Ameen"** jechi Ibirootaa inni guddaan kan jedhu "cimaa ta'uu dha." Kunis guddachaa dhufee, gara miira fakkiiduutti, amanamummaaf, amanachuuf, amanamaa ta'uuf (Inb. 2:4). Innis faayidaa irra oolaa kan inni dhufe "ani nan mirkaneessa" yookaan irrattin wali gala" bifa jedhuun, labsii adda ta'een.

## MATA-DUREE ADDAA : AMEEN

I. KAKUU MOOFAA

A. "Ameen" jechi jedhu jecha Ibirootaa irraa yeroo ta'u kan
   1. "Dhugaa" (emeth, BDB 49)
   2. "Amanamummaa" (emun, emunah, BDB 53)
   3. "Amantii" yookaan "amanamummaa"
   4. "Amanuu" (dmn, BDB 52)

B. Hundee jecha isaaf nama dhuunfaa irra kan jabaate kan qaama ejjeennoo dha. Faallaan isaa ta'uu kan danda'u kan hin jabaanne, kan mucuucaatu dha (Kes. 28:64-67, 38:16, Faru. 40:2, 73:18, Emr. 23:12) yookaan kan guffachiisu (Faru. 73:2). Asirras fayyadama akkuma jirutti fakkiduutti fufee guddachaa dhufee kan amanamaa, kan amanatee, amanamaa, kan amanan (Uma. 15:16, Inb. 2:4).

C. Fayyadama addaa
   1. Utubaa, 2Mot. 18:16 (1Xim. 3:15)
   2. Waabdii, Bau. 17:12
   3. Sabriin, Bau. 17:12
   4. Sabriin, Isa. 33:6, 34:5-7
   5. Dhugaa, 1Mot. 10:6, 17:24, 22:16, Fak. 12:22
   6. Jabaa, 2Mot. 20:20, Isa. 7:9
   7. Abdachiisaa (Torah), Faru. 119:43, 142, 151, 168

D. Kakuu moofaatti jechi Ibirootaa kan biraan lama faayidaa irra ooleera, amantii damaqaaf.
   1. bathach (BDB 431),
   2. yra (BDB 431),sodaachuu, ulfeessuu, waaqeessuu (Uma. 22:12)

E. Miira amanachuu fi amanamummaa qulqulluu seera iciiti waaqefannaa guddachaa dhufe, kunis ibsa kan biraa dhugummaa yookaan amanamummaa isaa mirkaneessuuf (Bau. 27:15-26, Nah. 8:6, Faru. 41:13, 70:19, 89:52, 106:48).

F. Furtuun barumsa hafuuraa jecha kanaa amanamummaa namoota dhuunfaa miti, ta'us garuu kan Yaahiwweeti malee (Bau. 34:6, Kes. 32:4, Faru. 108:4, 115:1, 117:2, 138:2). Namummaa kufeef abdiin qofaan kan Yaahiwwee fi abdii isaa amanamummaa araaraa amanamummaa kakuuti. Yaahiwwee kan beekan isa fakkaatu (Inb. 2:4). Kitaabni qulqulluun Waaqayyoon fakkaatti isaa kan inni deebbiseef seenaa fi galmee dha (Uma. 1:26-27) mucaa namaan. Fayyinni mucaa namaaf Waaqayyo wajjin kan turee dandeetti tokkummaa eegame deebiseera. Kanaaf kan uumamne.

II. KAKUU HAARAA

A. "Ameen" jeci jedhu akkaataan fayyadama isaa iciiti qulqulluu seerata waaqefannaa guduunfaa isaa kan mirkaneessuu dha, labsichaaf amanamaa ta'uu, labsichii kakuu haaraatti kan baratamee dha (1Qor. 14:16, 2Qor. 1:20, Mul. 1:7, 5:14, 7:12)

B. Fayyadamni sagalee isaa cufiinsa kadhata baratameti, kakuu haaraatti (Rom. 1:25, 9:5, 11:36, 16:27, Gal. 1:5, 6:18, Efe. 3:21, Fil. 4:20, 2Tas. 3:18, 1Xim. 1:17, 6:16, 2Xim. 4:18).

C. Yesus qofadha sagalee isaa fayyadamuuf (yeroo hundaa Yohaannis irratti dacha ta'aa) labsiiwwan fayyadan beeksiisuuf (Luq. 4:24, 12:37, 18:17, 29, 21:32, 23;43)

D. Innis Yesusiif akka waamamaatti faayidaa irra ooleera Yaq. 3:14 irratti (kunis waamama Yaahiwwee ta'uu kan danda'au, Isa. 65:16).

E. Kan amanamummaa, yookaan amantii, kan amaname ta'uu, yookaan yaad-rimee amanamuu jecha Girikiin pistos yookaan pistis ibsameera, innis gara Ingilliffaatti "amanachuuu," "amanuu" kan jedhuutti kan hiikame.

**IBROOTA13:22-24**

**22Yaa obbolootaa nana! Ergaa kana gabaabseen isiniif caafe; gorsa koo immoo obsaan akka dhaggeeffattan isin nan kadhadha. 23Obboleessi keenya Ximotewosis gad dhiifamuu isaa beekaa! Anis yoo inni dafee dhufe, isaa wajjin dhufee isin nan arga. 24Warra geggeessituu keessan hundumaatti, warra Waaqayyoof qulqullaa'an hundumaattis nagaa keenya nuuf himaa! Obboloonni biyya Ixaaliyaatii dhufan nagaa isiniif in dhaamu.**

**13:22-24** lakkoofsonni guduunfaa, 22-24 guduunfaa ergaa Phaawuloss, barreessan kan barreefame wajjin wal fakkaatoo dha, innis qalama fudhatee gabaabaa kan ta'ee yaadannoo dhuunfaa fi hanga eebbaa kan gahu.

**13:22 "Isinan yaadachiisa"** barreessichi kitaaba isaa "jecha yaadachiisaa" kan jedhuun waameera. Innis dubbiftoota yeroo hundumaa isaan yaadachiisa (3:13, 10:25, 12:15, 13:15, 22). Isaan obbolootaa (fi obboleetoota) Kristoosiin, ta'us garuu isaa wajjin eegachuutu isaan irra jiraata, isa duukaa bu'uu, isa tajaajiluu!

▣ **"Jecha gorsaa kana akka obsitan"** kun kan giddugaleessa ammaa argisiisuu dha, innis abbaa isaa of keessatti qabachuun xiyyaafanno kan itti kennuu fi itti fufiinsa kan qabu dhageefachuu kan qabamu. "Jecha gorsaa" gaaleen jedhu HoE. 13:15 irratti faayidaa irra ooleera, lalaba mana waaqefannaa Yihudiitiif. Baay'een kan isaan amanan, Ibirootni kun durumaan kan turanii dha, ta'us garuu ergaa akka ta'uuf fooyya'eera.

**13:23 "Obboleessi keenya Ximootihos"** Phaawulos "obboloota," yeroo fayyadamuu maqaa namichaa duraan durseetti kan inni fidu (Rom. 16:23, 1Qor. 1:1, 16:12, 2Qor. 1:1, 2:13, Fil. 2:25). Kun Phaawuloos barreessaa ta'uu dhiisuu isaa irratti ragaa furtuu dha. Eeramuu Ximotihos kan ibsu kitaabichi daangaa yeroo barreefamee, bara jireenya Phaawulosiitti, yookaan akkuma sanaan erga du'anii booda (bara haraaraa 68), du'a Ximotihoosiin dura.

▣ **"Akka hiikameetti"** kun keeyata gocha xumurameeti. Qulqulluu sagalee isaa irraas ta'ee bakka biraadhaa waa'ee hidhamuu Ximotihos homaa kan nu beeknu hin jiru. Fakkii jechaa kakuu haaraa irratti, fuula 451, A. T. Robertsan kan inni mirkaneessuu Ximotihoos kan inni hidhame Phaawulosiin gaaffachuuf yeroo dhufee dha, 2Xim. 4:11, 21 kan eerame. "Hiikame" jechi jedhuu (gocha xumuramee keeyata Booz) faayidaa irra kan inni oole (1) Mat. 27:15, Yoh. 19:10, HoE. 3:13, 4:21, 23, 5:40 waa'ee hidhaa irraa hiikamuu fi (2) HoE. 13:3, fakkiduudhaan tajaajila irratti ramadaman hiikuun, fi sana jechuu ta'a.

▣ **"Dafee akka dhufus siif ilaaleera"** kun argisiisuu kan inni danda'u barreessaan Ibirootaa Ximotihoos wajjin akka hojjetuu fi akka deemu dha.

**13:24 "Qulqulloota"** mata-duree addaa 6:10 ilaali.

▣ **"Xaaliyaanii irra kan ta'an nagaa isiiniif dhi'eessu"** gaaleen kun ta'uu kan inni danda'u

1. Barreessichi xaaliyanii keessa jiraachuu isaa
2. Barreessichi Xaaliyanii irraa ta'uu isaa
3. Kutaan barreessicha garee Misiyoonuumaa Xaaliyaanii irraa ta'uu isaa
4. Barreessichi gara Xaaliyaanitti barreessuu isaa

Yihuditti kristaanummaan H. A. Daanaan akka jedhutti lak.kun kan inni argisiisu ergaan kun kan barreefame garee Yihudiif kan ta'e waldaa kristaanaa Roomiti argamuutti dha. kitaabni Ibirootaa kanjalqabaa kan eeru Room-Kilementiitti ture, bara haraaraa 97 kan ta'u (fuula 270). Ta'us, inni gara mana waaqefannaa Yihudootti kan ergamee natty fakkaata (Room ta'uu danda'a) achis amantootni akka

miseensaatti kan jiran. Of-eeggachiifni isaanii kan isaan argisiisan gara michoota lamaatti, garee Yihudii amanaa (“Isin” kan boqonnaa 6), isaan “gara boodeetti akka hin deebine” (10:38) fi garee hin amanne (“isaaniif” boqonnaa 6) Yesusiin akka Masihiitti akka amanan/akka dhugaa ba’aan fi garreewwan lammanuuf guutuu guutuutti kiristaanummaan akka qabaman.

**IBROOTA13:25**

**25Ayyaanni Waaqayyoo hunduma keessanii wajjin haa ta’u.**

**GAAFFILEE MAREE**

Qajelfamni qayyabannaa kanaa hiika yeroo ta’u, sana jechuunis garuu kitaaba qulqulluu dhuunfaatti hiikuun itti gaaffatamummaa isaa ni fudhata jechuu dha. tokkoon tokkoon keenya ifa nu kennameen adeemuutu nurra jiraata. Hiktoonni jalqabaa si, kitaaba qulqulluu fi hafuura qulqulluu dha. kanas deebiftee kan hiike irratti jecha biraatiin akka hin fudhanne.

Gaaffileen maree kun kan kennamana kutaa kitaaba kanaa dhimmoota gurguddaa akka ta’utti akka qayyaabatu akka si gargaaruuf. Kana jechuunis akka ta’utti akka xiinxaltu si kakaasuuf malee kana qofaan akka daangooftu miti.

1. Ibirootni ergaa yoo ta’ee, boqonnaa 13 dhugumatti akka ta’e, maaliif baniisa nagaa hin qabaanne?
2. Boqonnaa 13 kan inni calaqqisiisu yihoodoota hin amanne dha moo yookaan barsiisota sobduudhaa?
3. Boqonnaan kun waa’ee kristaanaa “geggeesitootaa” maal jedha?
4. Lak. 23 akkamitti yeroo kitaaba Ibirootaa ibsaa?

# HAFAA TOKKOFFAA
# Ibsaa ifaa jechoota seerluga Griikii

Ibsa bal'aa jechoota seerluga Giriikii Konee Giriik, Helenstiik Giriik jechuun beekamu, bara injifannoo Aleksaander Ze gireet (336-323 D.K) qabee hanga waggaa dhibba saddeti (300 D.K-D.B 500)ti afaan biyyoota naannoo galaana Meeditaraaniyaana ture. Afaan Giriik isa salphaa osoo hin taanee, afaan Giriik bifa haaraa ka'ee afaan lammataa addunyaa Meeditaraaniyaanaa fib aha dhiyoo ta'eti.

Kakuu Harawaa addadha sababnis itti fayyadamtoonni Luqaasin barreessaa Ibrootaan alatti, hundi afaan Aramaanaa akka jalqabaatti fayyadamu. Kanaaf barruunsaanii akka dubbii fi caasaa afaan Aramaan cunqurfama isaanumtu moo Septuagint (hiikkaa Kakuu Moofaa Giriik) afaan giriik barreeffame waan dubbisaniif ni waraabbatu ture. Garuu Septuagint hayyoota yihudaan afaan dhaloota Giriik hin qabneen barreeffame.

Kunis Kakuu Harawaa gara caasaa Seerlugaatti akka nutti cimsinee hin dhiibne nu yaadachiisa. Adda ta'ees wanni inni qixxeetti qabu (1) Septuagint (2) barruu yihudootaa kan akka Yoseef; fi (3) Paapirasa Misiritti argameedha. Eegasuu akkamitti xinxala Kakuu Haarawaati dhiyaachuun danda'amaa?

Haalli seerluga konini Giriikaa fi Kakuu haarawaa koyiha Giriikii dhagalaasadha. Yerichi yeroo seerluga salphisan ture. Yaadatu nu hoggana. Jechoonni yaada dheeraa keessatti hiikkaa argatu, kanaaf, seerrilugni kan hubatamu ifaa (1) biddiqa barreessa adda fi (2) yaada adda keessattidha. Hiikkaan xumuraa caasaa fi bifa Giriik tokkoyyu hin danda'amu.

Afaan koyine Giriik afaan dubbiiti. Ijoon hiikkaadhaa gosaa fi bifa dubbiiti. Gaalee heddu keessatti gochimni dursee dhufeeti, caalmaasaa agarsiisa. Gochima Giriik xinxaluuf odeeffannoon maddee sadii hubatamu qaban (1) xiyyeeffannoon henna, sagalee fi muudii (ta'insa ykn mortoolojii); (2) hiikkaa bu'uuraa gochimaa (lexicography) fi (3) dhangalaasa yaadaa (syntax)

I. HENNAA
   A. Hennaa ykn haalli walitti dhufeenya gochimaa sadarkaa gocha guutuu ykn hin guunneeti ilaala.
      1. Hennaa sirraa'aa mudata gocha irratti xiyyeeffata. Odeeffanno dabalataa hin kennu. Egalli, itti fufinsii ykn fiixee hin beekkamu.
      2. Hennaan hin sirraaiin itti fufinsa gochaa irratti xiyyeeffata gocha cinaa, gocha turti, gochi tarkaanfii jechuun ibsamuu ni danda'a.
   B. Hennaan akkaataa barreessaan gochoota ittin ilaaluun kurfeessuun ni danda'ama
      1. ta'eera = AORIST
      2. ta'eera fi jiraa = PERFECT
      3. ta'ee ture fi jiraa, garuu amma miti = PLUPERFECT
      4. ta'aatti jira = PRESENT
      5. ta'eetti jira = IMPERFECT
      6. ta'uutti jira = FUTURE

Fakkeenyi qabatamaa akkatti hennaan kun hiikkaa keessatti fayyadu kan agarsiisu jecha "fayyina" jedhudha Henna gara garaa keessatti deemsaa fi fixee agarsiisa.

   1. AORIST – "fayyeera" (Rom 8:24)
   2. PERFECT – "fayyeera fi fayyuutti jiraa" (Efs 2:5-8)
   3. PRESENT – "fayyaatti jira" (1Qor 1:18; 15:2)
   4. FUTURE – "fayyaatti jira" (Rom 5:9, 10; 10:9)

   C. Hennaa gochimarratti xiyyeeffachuun hiiktooni sababa filannoo barreessan ittin of ibsuu barbaade kaa'u. Sadarkaan henna "maxxarri hin qabne" AORIST dha. Gochima idilee "hin addoomne" in mallattoomne" ykn "hin tuqamne"dha. Bifa hedduun faayidaa kennuu ni danda'a. Wanni tokkoo ta'uusaa qofa kaa'a. Haalli darbe muudii agarsiisaa keessatti qofa yaalama. Yoo hennaan kan biroo kan fayyadu jiraata, wanni addaa ta'eef xiyyeeffannoon kennama. Garuu maal?
      1. Hennaa sirraa'aa kun gocha xumuramee bu'aa amma waliin jiru kan agarsiisudha. Karaa ta'een moo walmakoo AORIST fi HENNAA AMMAAti. Xiyyeen bu'aa jiraa sanidha ykn xumura gochichaati. Fkn Efs 2:5 fi 8, "fayyiteeta, fayyinni kees itti fufeera"
      2. PLUPERFECT HENNAA TENSE

Sirraa'aa ta'eeti bu'aan garuu dhaabbateera. Fkn "Pheexroos ala balbalarra dhaabbatee ture" (Yoh 18:16)

3. HENNA AMMAA (PRESENT TENSE) Kuni gochaa hin sirraa'iin ykn hin xumuramiin dubbata. Xiyyeeffanni itti fufinsa ta'aati. Fkn "kan isaan qabame cubbamuutti hin fufu" "Eenyullee isaan dhalate cubbamuutti hin fufu (1Yoh 3:6 fi)
4. HENNAA HINSIRRAA'IIN (IMPERFECT TENSE) walitti dhufeenyi henna jiru moggoyina sababaan adda bahudha. Hin sirraa'iin kan dubbatu gocha hin xumuramne ture amma garuu dhaabbate ykn jalqabnisa darbeerudha. Fkn: "Yeruusaalem hundi garasaa dhufaa turani" ykn "Yeruusaalemoonni cufti garasaa dhaqaa turan" (Matt 3:5)
5. HENNAA TA'ATU (FUTURE TENSE) kun gocha fulduratti ta'uuf yeroo qabatee jirudha. Kan xiyyeeffatu moo gocha ta'uuf jiru irratti odoo hin taane humna ta'iinsa irrattidha. Mirkana ta'iicha haasa'a. Fkn "Warrii eebbifaman … ni …" (Matt 5:4-9)

II. SAGALEE

A. Sagaleen walitti dhufeenya gocha gochimaa fi abhimaa gidduu jiru ibsa.
B. Sagaleen si'ayina, abbaan himaa gocha gochimaan hojjetuu kan mirkansu karaa idilee, eeggamaa fi cicha hin qabnedha.
C. Sagaleen al si'ayinaa jechuun ab himaa gocha gochima nama alaan hojjetame yeroo fudhatudha. Namni alaa gocha kana godhu Kakuu Harawaa keessatti kan tuqame yoo ta'u durgala fi sababa armaan gadiini.
   1. bak bu'aa kallatti dhuunfaa hupo, sababa ABLATIVE wajjiin (Matt 1:22; HoE 22:30)
   2. bak bu'aa giddu deemaa dhuunfaa dia sababa ABLATIVE wajjin (Matt 1:22)
   3. bak bu'aa namaa ala eru sababa meeshaalee wajjin
   4. yeroo garii bak bu'aa nama ykn namaa ala ta'a sababa meeshaalee qofaan.
D. Sagalee gidduu jechuun abi himaa gocha gochimaa hoomishun darbees irratti hirmaachuun beekkama. Fedhi dhuunfaa alfagoo jedhame yaamama. Ijaarsi kun ab himaa ykn ab hirkatoo(clause) muldhisa. Ijaarsi akkanaa Infiliffa keessa hin jiru. Giriik keessatti carraa hiikkaa fi jijjiirraa bal'oo qaba. Fknaaf

1. (REFLEXIVE) – gocha kallattiin abbaan ofirratti godhu fin "of fannies" (Matt 27:5)
2. (INTENSIVE) – ab himaa gocha ofii jedhe uume. Fkn "seeyxanni ofiisaa akka ergama abbaa ifaatti of fakkeesse of dhiyeesse) 2Qor 11:14)
3. Gargalcha (PRECPROCAL) – haasawa walii ab himaa lameen gidduu fkn "walii walii agarsani (Matt 26:4)

III. MUUDII (ykn MODE)

A. Koniye Giriik keessatti moodii afurtu jira. Walitti dhufeenya gochimni dhugaa jirutti qaba agarsiisu, yoo xiqaate sammu barreessaa keessatti. Muudiin ramaddi guddaa lamatti qooddamu: isa dhugaa agarsiisu (AGARSIISAA) fi isa humna ta'insa agarsiisu (SUBJUNCTIVE, IMPERATVE, fi OPTATIVE)
B. Muudiin AGARSIISAA muudii qixaa gocha ta'ee jiru kan agarsiisudha. Ykn yoo xiqqaate yaada barreessaa keessati ta'aa jiru kan agarsiisudha. Muudii Giriik qofatu yeroo sirrii agarsiisa, inni kun ykn sadarkaa lammataati.
C. Muddiin (subjunctive mood) gocha fulduratti feetu ta'uu danda'u ibsa. Hanga ammaa waan hin taane garuu moo ta'uudhaaf kan carraa qabudha. Agarsiisa (Inductive mood) wajjin walfakkeenya ni qaba. Garaagarten jiru (subjucive) shakki hanga tokko waan qabudha. Afaan Ingiliffaa keessatti isaan kun jechoota akka "could" "would" "may" ykn "might" jedhuun ibsama.
D. Muudi (OPTATIVE MOOD) kun fedhii manaamaan ta'uu danda'u kan ibsudha. (subjunctive) caala dhugaarraa sadarkaa tokko fagaata. (Optative) ta'u danda'uu kana hala amuraasa jala kaa'a.

(optaive) Kakuu Haarawaa keessatti baayye xiqqoodha. Itti fayyadamnisaas gaalee jecha Phaawuloos "gonkumaa ta'uu hin danda'u) jedhu yeroo kudha shan itti gargaaramedha. (Rom 3:4, 6, 31; 6:2, 15; 7:7, 13; 9:14; 11:1; 1Qor 6:15; Gal 2:17; 3:21; 6:14). Fkn birooon Tas 1:38; 20:16, HoE 8:20, fi 1Tas 3:11 keessattidha.

E. Muudii (IMPERATIVE Mood) Fedha isa dubbatu irratti hunda'auun ajaja godhamuu danda'uu kan cimsudha. Filannoo Ormaa irratti hundaa'eet gocha qofa mirkaneessa. Kadhataa fi gaaffii nama sadaffaa keessatti itti fayyadama (imperative) addaatu jira. Ajajni kunis henna (Aorist) fi ammaa (present) Kakuu Haarawaa keessatti qofa argama.

F. Seerlugni garii (participle) akka garee muudii tokkootti ni ilaalu. Kakuu Harawaa Giriik keessatti beekkamaadha akka (verbal adjuctive) ti fudhatamas. Gochima itti jiran wajjin walitti fudhamaniitu hiikkamu. Karaa hedduudhaan isaan hiikuunis ni danda'ama. Hiikka afaan Ingiliffaa hedduu ilaalunis gaariidhaa. Tahe bible ni Twenty Six Translation jedhu Bakeerin bareeffame asitti ni gargaara.
G. Aorist active indicative wanna ta'e tokko homaa utuu itti hin dabaliin qixumaan karaa itti galmaa'udha. Hennaan biroo, sagaleen wanna barreessichu dubbisuu barbaadu ibsa addaa qabu.

IV. Name afaan Giriik wajjiin wal hin beekneef gargaartuun qo'annoo itti aanee jiru odeeffanno barbaachisaa ni eknnaaf
A. Firberg, Baarbaaraa fi Ximooty, Analayitical Giriik New Testament, Grand Rapid: Baker 1988
B. Marshall, Alfred, Interlinear Greek-English New Testament, Grand Rapids: Zondervan, 1976
C. Mounce, William D. The Analytical Lexicon to the Greek New Testament. Grand Rapids: Zondervan 1993
D. Summers, Ray Essentials of New Testament Greek, Nashville: Broad man 1950
E. Barnoonni halaalaa fudhatamoo qabu kan afaan Giriikii Dhaabbata Moody Bible Institute jedhu Chikaagooti argachuun ni danda'ama.

## V. MAQOONNI

A. Maqoonni akk sababaan qooddamu. Sababni moo gosa maqaa walitti dhufeenya gochimaa fi qaama himaa hafetti qabu kan agarsiisudha. Afaan koyinee Giriik keessatti faayidaan sababa kanaa durgaaleen ibsamu. Egaa gosti sababaa kun walitti dhufeenya gara garaa agarsiisuu danda'ani, durgaalli kunneen faayidaa kanatti addaan baatee ifa ta'e ni agarsiisu.
B. Sababaan Giriik garee saddeet itti aanee jiruutti qooddamu
   1. Sababa (Nominative case) maqaa baasuuf kan fayyadu ta'eet abbaa himaa ykn abbaa dha. Darbe maqaa predicate nouns fi "to be" ykn "become" wajjin hojjeta.
   2. Sababa (Genitive case) ibse kennuuf fayyada ykn jechicha irratti sadarkaa qulqullinaa kennuun ni firoomsa. Gaaffii "gosa kam?" jedhuuf deebii ni kenna. Yeroo baayyee durgaale afaan Ingiliffaa "of" jedhuun ibsama.
   3. Sababa (ablative case) bifuma (gentive) ta'eeti, garuu addaan bahiinsa agarsiisa. Kunis addaan bahinsa waan ta'ee yeroodhaan, iddoodhaan, maddaan, uumamaaan, ykn sadarkaadhaan. Durgaala afaan Ingiliffaa "from" jedhuun ibsama.
   4. Sababa (dative case) fedhii dhuunfaa agarsiisuuf fayyada. Kun haala gaarii ykn bitaa agarsiisu danda'a. Kun waan harka naannessaan godhamedha. Dugraala afaan Giriik "to" beekkama.
   5. Sababa (locative case) Bifuma (dative case) Bifuma 9dative) dha. Sadarkaa ykn iddoo Yeroodhaan iddoodhaan, daanya sirriin agarsiisa. Durgala afaan Ingiliffaa "in, on, at, among, during, by, upon, fi beside" jedhaniin ibsama.
   6. Sababa (instrumental case) Bifuma (dative) fi (locative) dha. Fala ykn hidhata kan agarsiisudha. Durgala afaan Ingiliffaa "by" "with" ibsama.
   7. Sababa (accusative case) xumura gochaa agarsiisuuf fayyada. Daangeeffamas ni agarsiisa. Faayidaansaa guddaan wanna kallattiin ta'edha. Gaaffii "akkamitti" ykn "hanga kamitti?" jedhuuf deebii ni kenna.
   8. Sababa (vocative case) kallattiin gahuu agarsiisa.

## VI. Walitti Gudunfituu fi Qabsiisee

A. Afaan Giriik sababa gudunfituu hedduu qabuuf afaan murteessaadha. Ilaalcha ( hima fi buufata ) gudunfu. Hafuunsaanii barbaachisummaasaanii godhe fi kallatti ilaalcha barreessaa wanna inni qunnamu barbaadu murteessuuf barbaachisoodha.
B. Amma asitti hiikkaan walittiqabsiiftuu fi walitti guduunfituu tarreeffameera (odeeffannoon kun kitaaba Amanual Grammar of the Greek New Testament jedhu, H.E.Daanaa fi Julins K. Maanteyesin barreeffame irraati.
   1. Gudunfituu yeroo
      a. epei, epeide, hopote, hos, hote, hotan (subj) – "yoom"
      b. hoes – "wayita"
      c. hotan, epan (dhim) – "yoomiyyuu"
      d. hoes, achri, mechri 9dhin) – "hanga"
      e. priv (infin) – "dura
      f. hos – "egaa" "yoom" "akka"

2. Gudunfituu amansiistuu(logical)
   a. akeeka
      (1) *hina* (dhim), hopos (dhima), hos – 'sun akka ta'uuf' "sun"
      (2) *hoste* (articular accusative infinitive) "sun"
      (3) *pros* (articular accusative infinitive, kan dhuma hin qabne) ykn eis articular accusative infinitive "sun"
   b. firii (bifa seerluga akeekaa fi firii giddii walitti, dhiyeenyi jira
      (1) hima (hin lakka'amu, beekkama) – "akka sanitti" "kanaaf"
      (2) hima (dhim) – "sanaafu"
      (3) *ara* – "egaahoo"
   c. Sababa
      (1) *gar* (sababa/ firii ykn sababa/xumura) – "fi" "sababa"
      (2) *dioti*, hotiy – "sabab"
      (3) *epei*, epeide, hos – "eega"
      (4) *dia* (accusative wajjin) fi (articular dhuma hin qabne wajjiin) "sababa"
   d. goolabbii
      (1) *era*, poinun, hoste – "kanaafuu"
      (2) *dio* (waliingaa goolabbi jabaa) "kanarratti" "eessarratti" "kanaafu"
      (3) *oun* – "Kanaafuu" "egaa" "achii" "itti aanee"
      (4) *tanoun* – "akka kanatti"
   e. faallina ykn fuggina
      (1) *alla* (faallina jabaa) – "garuu" "malee"
      (2) *de* – "garuu "haata'uti" "ammalle" "gama biraan"
      (3) *kai* – "garuu"
      (4) *mentoi*, *oun* – "haa ta'utii"
      (5) *plen* – "yoo kan malee" (keessattu Luqaas keessatti
      (6) *oun* – "haa ta'uuti"
   f. morkii
      (1) hos, kattios (gaalima morkii beeksisu)
      (2) kata (jech tishoo, katto, kathoti, kathosper, kathaper
      (3) *hosos* (Ibroota keessa)
      (4) *e* – "achii"
   g. fulla'iina ykn fufina
      (1) *de* – "fi" "amma"
      (2) *kai* – "fi"
      (3) *tei* – "fi
      (4) *hina*, oun – "sun"
      (5) *oun* – "achi" (yohaannis keessatti)
3. fayyadama xiyyeeffannoo
   a. *alla* –
   b. *ara* – "dhugaati"
   c. *gar* – "garu dhugaati," dhugaatti
   d. *de* – "dhugaatti"
   e. *ean* – yoo dhibe
   f. *kai* – "yoo dhibe" "dhugaati" "dhugumati"
   g. *mentoi* – "dhugaatti"
   h. *oun* – "dhugumatti" 'waan hundatti"

VII. Hima Haalaa

A. Hima haalaa jechuun gaalima hirkataa tokkoo fi tokkoon ol kan qabatedha. Caasni seerluga kanaa hiikkaa ni gargaara. Sababnisaas haala, sababa ykn ka'umsa gochaa gochimaa itti ta'uu fi ta'uu dhabuu ni agarsiisa. Gosti haallimaa afuurtu jira. Dhugaa kallatti barreessichaan jiru irraa gara hawwitti jiru qofatti dhiibee geessa.

B. Haallima sadarkaa duraa gocha ibsame ykn gama barreessaan dhugaadha jedhame tilmaamamu ykn akeeka isaaf "yoo" dhaan ibsama. Qabiyye heddu keessatti "eega" jedhame hiikkama (Matt 4:3; Rom

8:31) Haa ta'uuti, kun jechuun sadarkaan duraa gara dhuugaatti jiru jechu miti. Irra deddeebia'nii qabxii agarsiisuuf ykn faallaa tuqatuuf fayyadu (Matt 12:27)

C. Haallima sadarkaa lammata "dhugaatti fuggina" jedhama. Waan dhugaa hin ta'iin agarsiisa. Fkn
   1. "yoo dhugumatti inni raajii ta'e, mitiif malee, waa'ee dubartii isatti maxxantee amalaa fi eenyummaa ni beeka ture. Garuu hin beekne." (Tes 7:39)
   2. "yoo dhugumatti Muusee amantan, silaa hin gootani, ana amantani, hin goone" (Yoh 5:46)
   3. Osoon ammallee namootatti gammachiisuuf yaala ta'ee, hin gooneef malee, tajaajilaa Kiristoos isaan amma ta'e kana hin t'auun ture" (Gal 1:10)

D. Sadarkaan sadaffaa gocha fulduratti ta'uu danda'u ni dubbata. Carraa ta'uu danda'uu tilmaamsa. Waan akka carraatti ta'e agarsiisa. Gochi gochima muummee gaallima "yoo" keessatti gochichaaf carraa ta'a. Fkn 1Yoh keessaa 1:6-10, 2:4, 6, 9, 15, 20, 21, 24, 29, 3:21; 4:20; 5:14, 16

E. Sadarkaan afraffaa carraa ta'uu danda'uu irra haqamaadha. Kakuu Haarawaa keessatti ni xiqqaata. Akka carraa ta'ee, Haallimni sadarkaa afraffaa guutuun haalli itti lameen qaamni himaa hiika kennan hin jiru. Fkn sadarkaa afraffaa gaallima baniinsaa 1Phex 3:14ti. Fkn sadarkaa afraffaa gadima xumuraa HoE 8:31.

VIII. DHORKAA

A. Present imperative meparticli gocha ta'aa jiru dhaabuuf xiyyeeffanno godha. Fkn "duurooma lafarratti kuufachuu hin yaaliinaa…" (Matt 6:19) "waa'ee jireenya keesanii yaaduu dhaabaa…" (Matt 6:13) "Nafa qaama keessanii meeshaa cubbuu gootanii dabarsitanii hin kenninaa…" Rom 6;13" Afuura Qulqulluu Waaqayyo hin arrabsinaa…" (Efs 4:30) "dhuganii machaahu dhaabaa…" (5:18)

B. Aorist subjunctive imperative meparticle wajjin moo "gochuu hin eegalin ykn hin jalqabin" kan jedhu qaba. Fkn muraasni "Tilmaamu hin eegaliin…" (Matt 5:17) "hin shakkinaa… (6:31) "hin qanaaftani… (2Xim 1:8)

C. Double negative moodii subjunctive wajjin bitaatadha "gonkuma, yomumaa" ykn "haaluma kamiinuu" fkn "bara baraan hin du'u" (Yoh 8:51) "matuma ani" (1Qor 8:13)

IX. Maqmaxxan

A. Afaan kooyinu Giriik keessatti maqmaxxan murtaa'aa "the" faayida afaan Ingiliffaan walfakkaatu qaba. Faayidaan guddaa "agarsiisumma" gara jechaa, maqaa ykn gaalee ni qaba. Kakuu Haarawaa keessatti tajaajillisaa abbaarraa abbaati gargaridha. Maqmaxxan murta'o dabale kan fayyadu.
   1. akka meeshaa fugginaa akka maqdhaal eertuu.
   2. matiima ykn nama dursee beeksifame akka mallattooti agarsiisu
   3. matiima hima keessa jiru gochima karaatti adda baasanidha. Fkn Waaqayyo afuuradha" (Yoh 4:24) "Waaqayyo ifadha" 1Yoh 1:5 "Waaqayyo jaalaladha." 4:8,16.

B. Afaan kooyinee Giriik akka afaan Ingiliffaa maqmaxxan 'a" fi "an" hin qabu. Dhabamuun maqmaxxan jechuun
   1. Xiyyeeffanno amala ykn sadarkaa waan ta'e
   2. xiyyeeffannoo garee waan ta'ee jechuudha.

C. Hanguma fayyadama maqmaxxana barreessitonni Kakuu haarawaa gargari

X. Kakuu Haarawaa Giriik keessatti karaa itti xiyyeeffanno agarsiisan

A. Kakuu Haarawaa keessatti teekinikni ittin xiyyeeffannoo agarsiisan barreessa irra barreessatti gargar. Barreessitoonni qixaa fi idileedhaan Luqaasii fi barreessaa Ibrootaati.

B. Aorist active indicative sadarkaa fi xiyyeeffannoo hin mallatta'in ta'uu dursee ibsameera, garuu hennaan kanuu, sagaleen

Ykn muudiin barbaachisummaa hiikkaa ni qaban. Kun jechuun Aorist active indicative n miira caasluuga barbaachisau keessatti hin fayyadu jechu miti. Fkn Rom 6:10 (si'a lama)

C. Tartii jechaa afaan kooyinee Giriik keessatti
   1. Afaan kooyinee Giriik akka afaan Ingiliffaa hirkataa miti kanaafuu, tartiiba barreessaan waa agarsiisuuf ni jijjiira
      a. waan barreessaan dubbistootatti agarsiisu barbaaduuf
      b. waan barreessichi dubbistoota ni ajaa'ibsiisa jedhe yaade
      c. waan barreessichi hedduu itti dhagahame.
   2. Dhimmii tartiiba jechoota afaan Giriik ammalle hin tasgabbaa'in jira. Haa ta'u kan amma jiru
      a. gochima <u>liqimsaaf</u>
         (1) gochima

(2) matiima
(3) complementii

b. Gochimaaf
(1) gochima
(2) matiima
(3) aantima
(4) aantimeen
(5) Durgaala gaalee

c. Maqaadhaaf
(1) maqaa
(2) kan haaromsan
(3) durgalee guutoo

3. Tartiibni jechoota qabxii baayyee barbaachisaadha. Fkn
a. "anaa fi Barnaabaasiitti akka duuka buutuutti harka nutti kennatan" (Gal 2:9) Gaaliin "harka mirgaa" duuka buutu jedhu barbaachisummaa agarsiisutti baqaqsuufi dursu ni danda'ama.
b. "Kiristoos wajjin" (Gal 2:20) dura buufameera. Duuti isaa giddu galeessa.
c. "Karaa heddu kuta kutaan ture" (Ibr 1:1) dura buufameera. Sunis akkaataa itti Waaqayyo ofiisaa of agarsiisu barbaade malee mul'ata miti.

D. Akkuma beekkamu xiqqooshee xiyyeeffannoon kenname
1. irra deddeebi'iin maqdhaal inni dursee gochima keessa jiru fkn ani mataan koo, isin wajjin … (Matt 28:20)
2. Dhabama qirqaabaa, ykn jechonni qabsiistu biroo, gaaleen, gaallima ykn himaa dhabamudha. Kun kan hin qabamne jedhama. Wanni walqabsiisu waan eeggamuuf dhabamuunsaa qalbi hawwata. Fkn.
a. warra eebbifamoo (Matt 5:3 xiyye kenneef)
b. Yohaannis 14:1 (mataduree haarawaa)
c. Roomee 9:1 (kutaa haarawaa)
d. 2Qor 12:20 (xiyyee kenneefira)
3. Yaada kenname keessatti irra deddeebi'ii jechootaa fi gaalee fkn "ulfina galatasaaf" (Efs 1:6, 12 fi 14). Gaaleen kun hojii sadacha tokkoon tokkoo agarsiisa.
4. Itti fayyadamni akka dubbii ykn jechaa (sagalee dubbii gidduuti. Shoora taphata.
a. Euphemisis jechuun jechoota safuu akka "ciisee" bakka buusa, du'aa gochuu (Yoh 11:11-14) ykn "miila" qaama dhiiraa (Rut 3:7-8, 1Sam 24:3)
b. Circumlocution immoo jechoota maqaa Waaqayyoo kan akka "Mootummaa Waaqayyoo" (Matt 3:21) ykn "sagalee jannataa" (Matt 3:17) bakka bu'a.
c. Fakk dubbii
(1) jaja hin taane (Matt 3:9, 5:29-30; 19:24)
(2) himootarratti laafaa ta'a. (Matt 3:5; HoE 2:36)
(3) namoomsa (1Qor 15:55)
(4) cigoo (Gal 5:12)
(5) dubbisa walaloo (Fil 2:6-11)
(6) sagalee jechoota giddu taphatu
a. "waldaa"
i. waldaa (Efs 3:21)
ii. yaamicha (Efs 4:1;4)
iii. yaamame (Efs 4:1,4)
b. "walaba"
i. dubartii walaba (Gal 4:31)
ii. bilisumma" Gal 5:1
iii. walaba Gal 5:1
c. Akka dubbii – afaan aadaa ta'ee addumma kan qabu
(1) itti fayyadama fakki "soora" (Yoh 4:31-34)
(2) itti fayyadama fakki "mana sagadaa" Yoh 2:19; Matt 26:61)
(3) akka dubbii Ibrtootaa "jibba" (Uma 29:31; Deb 21:15, Tes 14:36 Yoh 12:25; Rom 9:13)

(4) “Hunda” fi “baayye” Isa 53:6 (hunda) fi 53:11 fi 12 (baayyee) jechoonni moggoyina akka Rom 5:18 fi 19 agarsiisa.

5. Gaalee luugaa guutuu bikka jechaatti fayyadamuu. Fkn “Yesuus Kiristoos gooftaa”
6. Faayidaa addaa autos
   a. Yeroo maqmaxxan wajjinii “sanuma” hiikkama
   b. Yeroo al maqmaxxan wajjinii akka ti hiikkama “isa mataasaa’ “isii mataasii” ykn “isa mataasa”

E. Bartoonni Kitaaba Qulqulluu afaan Giriikiin ala dubbisan karaa heddu xiyyeeffannoo adda baafachuu ni danda’a.

1. Ittifayyadamani xinxalli galmee jechootaa barruu afaan Giriiki fi afaan Ingiliffaa
2. kallatti tiyoorii hiikkaan, hiikkaa afaan Ingiliffaa walbira qabani ilaaluu. Fkn “jechaa jechatti” morkuu (KJV, NKJV, ASV NASB, RSV, NRSV) fi “gita addaan” wajjin (Wiiliyaam, NIV NEB, REB, JB, NJB, TIV). Asitti kan gargaaru. “The Bible in Twent- six Translation” jedhu Baker maxxanfame heddu ni gargaara.
3. Ittifayyadama “The Emphasized Bible, Yoseef Biriyaant Rooterhaamiin (Kregel, 1994) maxxanfame.
4. Ittifayyadama hiikkaa barreeffamaa
   a. The Ameerikaan Istaandaard Vershiin 1901
   b. Yaangis Litiraal Traansileeshion of Baayible, Roobert Yaangin (Gaardiyaan Pireesin 1976) maxxanfame.

Seerluga qo’achuun nuffisiisa ta’uullee hiikkaaf ni barbaachisa. Ibsi hiikkaan, qeeqnii fi fkn kunneen nama afaan Giriikii ala dubbisuuf jajjabainaa fi hidhachiisaaf akka toluufidha. Ibsi kunneen garmalee salphifamaniiru. Akka hubana tolaa Kakuu Haarawaa ta’utti malee, cichummaa fi garfiixummaa agarsiisu miti. Ibsi kunneen dubbistoonni darbanii ibsaa fi qeeqaa Kakuu Haarawaa biroo ilaaluu akka danda’an akka gargaaru abdiidha.

Hiikkaa keenya odeeffannoo Kitaaba Qulqullu keessa jiru irratti hundee godhachuun ibsuu danda’uu qabna. Seerlugni wantoota nama gargaaran keessaa tokko; wantoonni biroo yoomessa seenaa, yaada barruu, itti fayyadama jechoota fi dubbisa cinaayina dabalata.

# HAFAA LAMMATAA
# QEEQA QABIYYEERRAA

Dhimmi kun yaada qabiyyee ibsituu kan keessa jiru irratti ibsa kenna. Wanna aanee tarreeffame jiru irratti dhimmama.

I. Madda KITAABA QULQULLUU afaan Ingiliffaa
   A. Kakuu Moofaa
   B. Kakuu Harawaa
II. Ibsa ballaa rakkooleefi tiyoorii "qeeqa jalaa" ykn qeeqa qabiyyee" jedhamee yaamamu.
III. Madda dubbisaa gadfagoo jedhamanii yaadamaniidha.

I. Qabiyyee KITAABA QULQULLUU afaan Ingiliffaa
   A. Kakuu Moofaa
      1. Barruu Masoreetik (BM) Baruun dubbifamaa afaan Ibrootaa bara 100 DB barsiisa Aquibaan bahe. Achii booda qabxiin dubbachiiftuu, loqodaa, qabxii moggee, Auqaaleeniifi kkf D.B jaarraa jahaaffaa keessa itti dabalamuu eegalan, DB jaarraa saglaffaa keessa xumura argatan. Kunis maatii yihudootaa Masoreetik jedhamaniin hojjetame. Bifti barruu isaan fayyadaman isa Mishnaati, Taalmud, Taargums, Peeshittaafi Kugeet wajjin walfakkaata.
      2. Septuagitnt (LXX) Akka afoolaatti Septuagint hayyoota yihudii 70n guyyoota 70 keessatti tolfame jedhama; kunis deggersa mootii pitoolmii 2ta (285-246 KD) jedhamuu mana kitaaba Aleeksaanderiyaaf qophaahe jedhama. Akka hiikamu kana gaafates hogganaa yihudoota Aleeksaandara jiraatuunidha. Afoolli kun "Xalayaa Arizteez" irra dhufe. LXX kun isa barsiisaa Aquibaa (BM) itti fayyadamuun adda kan ta'e barruu Ibroota biro irratti hundaa'e.
      3. Maroo Deed sii (MDS) –Maroon Deed sii foxxoqxoota garee yihudaa Roomaa jiraatanii "Eseensi" jedhamanii dhaloota Kiristoos dura (200 Kd – Db 70) barreeffame. Barreeffamoonni Ibrootaa, magaaloota naannoo galaana Deed Sii heddu keessatti ni argamu, lameen BM fi LXX duubatti barruu Ibrootaa addaa akka jiru ni agarsiisu.
      4. Fkn muraasni hiiktoonni akka Kakuu Moofaa walbira qabanii ilaaluu danda'an gargaaraniiru.
         a. LXX hiiktootaafi hayyoota akka BM hubatan gargaara.
            (1) LXXn Isa 52:14 "akka baayyonni itti dinqaman"
            (2) BMn Isa 52:14 "akka hayyoonni sitti gammadan"
            (3) Isa 52:14 keessatti bakmaqaa LXX mirkanaaheera
               a) LXX "sabni baayyeen itti dinqamu"
               b) BM "Saba baayyetti ifa calaqqisa."
         b. MDS hiiktonnii fi hayyoonni akka BM hubatan gargaareera
            (1) MDS Isa 21:8 "Achi raajichi ni iyyee, kaabii dallaa ani irra dhaabadherraa
            (2) BM Isa 21: "ani akka leencaattin bookkise! Gooftaa koo, ani yoo mara saafaadhaan kaabii dallaarra baheen dhaapha.
         c. Lameen LXX fi MDS akka Isa 53:11 ibsuuf gargaaraniiru.
            (1) LXX fi MDS "ciiniinsuu ruhii saan booda ifa ni arga, gammachuus ni quufa."
            (2) BM "ciiniinsuu lubbuusaa… ni arga, ni gammadas"
   B. Kakuu Haarawaa
      1. Barreeffamni Kakuu Haarawaa afaan Giriik 5,300 ol ta'an guutuutti ykn muraasni ammallee ni jiran. Gara 85 kan ta'u Paapirus irratti barrreeffameera, barreeffamni 268 ni qubee gurgudda (uncials) kan barreeffamaniidha. Booda keessa jaarraa sagalaffaa (D.B) barruun buraaqxuu (minuscule) barreeffamtee baate. Barruun Giriiki gara 2,700 ta'u bifa barreeffamaan jira. Kooppii gara 2,100 kan ta'uu kan yeroo Waaqeffannaaf tajaajilan lekshinaarii jedhaman tarreeffamaan ni jira.
      2. Barreeffamni Giriik Paapirus irratti barreeffame Kakuu Haarawaa muraasa qabateeru gara 85 ta'an golwaa durii keessa kaa'amnii jiru. Gariini jarraa lammaffaa D.B kan qaban yoo ta'u irra guddeessi jaarraa sadaffaa fi afraffaa DB ta'uun irra jira. MSS kana keessaa kan guutummaa Kakuu Haarawaa qabateeru hin jiru. Sababa garagalcha moofaa Kakuu haarawaa ta'aniifu garaagarummaa muraasa ni

qabu jechuu miti. Garagalchi baayyeen battaluma tajaajilaaf tolfamani. Of eeggannoon adeemsicha keessatti hin godhamne. Kanaafuu garaagartee heddu ni qabu.

3. Barruun harkaa Sinaatikus, qubee Ibrootaa Xn (alpha) ykn (10)n beekkamu, Tisheendiroofin gadaamii St Kaateriin, tullu Sinaay irra jiru keessatti kaa'ameera. Barrisa jaarraa afraffaa Db yoo ta'u lameen Kakuu Moofaafi Kakuu Harawaa kan LXX qabatee jira. Gosa "barruu Aleksaandiraa" ti.
4. Barruun harkaa Aleeksaandiriinus, akka "A" ykn (02) ti beekkamu, barruu Giriik jaarraa shanaffaa, biyya Misirii Aleeksaandiraatti argama.
5. Barruun harkaa vaatikaans, akka "B"ti ykn (03) ti beekkamu, mana kitaaba Vaatikaan, Roomitti argama. Bara giddu gala jaarraa afraffaa Db qaba. Lamee Kakuu Moofaa fi Kakuu Haarawaa Giriik, isa LXX qabateera. Gosa barruu "Aleeksaandiraa"ti.
6. Barruu harkaa Efreemii, akka "C" ykn (04)ti beekkamu, barruu Giriikii jaarraa shanaffaa yoo ta'u walakkaan badeera.
7. Barruu harkaa Beezaa, akka "D" ykn (05)ti beekkamu, baruu Giriik jaarraa shanaffaa ykn jahaffaati. Bakka bu'aa muummee isa "Western text" jedhamuuti wanna dabalataa hedduu qaba, hiikkaa kingi Jamsiif raga afaan Giriikiiti.
8. Kakuu Harawaa MSS garee sadiiti ykn afur kwarra amala walirraa qooddatanitti hirama.
   a. Barruu Aleeksaandiraa, Misraa irraa
      (1) $P^{75}$, $p^{66}$ (Db 200), wangeela galmeesse qaba
      (2) $P^{46}$ (gara Db 225) ergaa Phaawuloos galmeesse qaba
      (3) $P^{72}$ (gara Db 225-250) ergaa Pheexroosii fi Yihudaa galmeesse qaba
      (4) Barru harkaa B, Vaatikaan jedhamu (gara Db 325) Kakuu Moofaa fi Kakuu Haarawaa qaba
      (5) Barru kanarra Origen waraabe
      (6) Gosa barruu kanaa kan agarsiisu MSS biro X, C, L, W, 33
   b. Barruu warra Dhihaa Afrikaa Kaabaarra
      (1) Waraabbi jaarsolii waldaa Afrikaa Kaabaa, Xeertuliyaa, qoophiroos fi hiikka moofaa Laatinii.
      (2) Waraabbii Iraantoa
      (3) Waraabbii hiikka moofaa Siiriyaa fi Taatiyaa
      (4) Kodeex D "Beezaa" barru kana hordofa.
   c. Barruu Beezaantaayin bahaa, konistaantinoopilirra
      (1) gosti barruu kanaa %80 oli MSSota 5,300 irratti calaqqiseera.
      (2) Abbooti waldaa Antsokiya, Sooriyaan tuqame, kaappadoshiiya kirisoostoom fi Teroodoreef.
      (3) Kodeeksi A. wangeela keessatti qofa.
      (4) Kodeeksi B (jaarraa saddeeti) guutuu Kakuu Harawaaf
   d. Gosti afraffaa "Qeesaariffa" Filisxeema'rraa
      (1) dursee Maarqoos keessatti mul'ate.
      (2) P45 fi W ragaalee muraasa.

II. Rakkoolee fi tiyoorii "qeeqa jalaa" ykn "qeeqa barruu"

A.

1. Akkamitti garaagarteen dhalatee
   a. libsuu ijaa yommuu garagalcha hakraa jechoota lama wal fakkaatan fi waan giddu jiran guutummaati hambisuu (homoioteleuton)
      (1) libsuu ijaan qubee dacha jechoota ykn gaalee (haplography)
      (2) Libsuu sammuun irra deebii gaaleykn toora barruu Giriikii (dittography)
   b. Libsuu gurraa hogguu dhaggeeffataa barreessan qubee dogoggoruu (itacims)
   c. Barruun Giriiki ganamaa boqonna,a hiramsa lakkoofsaa, tuqaalee, hirmasa jechoota gidduu hin qabu ture. Jechoota iddo adda addaati hiikka kennuu danda'anitti hiruun ni danda'ama.

2. ? Itti yaadamee
   a. haala seerlugasaa fooyyeessuuf jijjiirraan godhameeru
   b. barruulee Kitaaba Qulqulluu biro wajjiin walitti dhiyeessuuf jijjiramni godhameera. (harmonization of parallels)
   c. dubbisa adda addaa lamaa ykn sana ol yaada dheeraa tokkotti deebisuuf jijjiirraan godhame. (conflation)
   d. rakkoo barruu keessatti mul'ate sirreessuuf jijjiiramni godhame (1Qor 11:27 fi 1Yoh 5:7-8)

e. odeeffannoon dabalataa yoomeessa seenaa ykn hiikkaa sirrii barruudhaaf moggaarra kaa'amee isa biroon iddo biro kaa'amera. (Yoh 5:4)

B. Qeeqi barruu bu'uuraa (hogguu garaa garteen dhalatu qajeelfama murtoo loojikaa barruu ka'umsaa)

1. kan walxaxaa ykn seerulga hin baramne isa ka'umsaa ta'u
2. barruun gabaabaa feetu isa ka'umsaa ta'u
3. barruun dulloomaa ulfina qaba.  Sababa itti dhiyeenya isa ka'umsaaf qabuun, kan hafe walqixuma.
4. MSS teessumaan adda addaa dubbisa ka'umsaa qabu
5. Barruun doktirinaan dadhabaa, keessattu mariix inamantii muummee jijjiirama yeroo sanaa ta'an, kan akka sadacha 1Yoh 5:7-8, ni filatamu.
6. barruu garaa gartee warra kaanii caalatti kan ibsu
7. waraabbi lameen garaa gartee dhalate madaalli agarsiisu.
   a. Kitaaba 1. Harooldi Giriinleesi, Introduction to New Testament Textual Criticism"
   "Doktirinni kiristaanaa kamuu barru mormisiisaa irratti hin rarra'u, bartoonni Kakuu Harawaa baruunsaanii sirrii fi qixaan ta'uu beekuu fedhuun waan jiraadha" 9ful 68)
   b. Kitaabni W.A Kiriisweel, The Brmingham News jedhu (kiriisweel) inni jechi Kitaabni Qulqulluu hundi akka afuurahuun ta'e hin amanu, "hiikkaa jaarraa keessa yoo xiqqaate jechi hiiktoota hammayyaa kun hunda miti" jedha Kirisweel.

Kirisweel akki jedhu "ani guddoo qeeqa barruutti nin amana.  Akkuma kana; boqonnaan 16 Maarqoos walakkaan xumuraa barumsa dogoggoraa dha; afuurahun miti, kan walqabate miti … hogguu barruwwan sana morkiftan, kan akka xumura Maarqoos hin jiru.  Abbaan ta'e itti dabalee…"

Paatriyaarki SBC kan inni himatu" itti makoon" Yohaannis 5 keessatti, hojii Kiristoos Beetesaayidaaf ragaadha.  Akkasumas lameen hojii of dhabamsiisa yihudaa (Matt 27 fi HOE 1) ni marsiisa.  "ilaalcha addaa of wareegati" akka Kiriisweelti" yoo Kitaaba Qulqulluu keessaa ta'e, ibsa ni qabaata.  Lameen of wareega yihudaa Kitaaba Qulqulluu keessa ni jira" Kirisweel kan dabale, "Qeeqni barruudhaa Saayinsii bareedaadha.  Waan yeroo gabaabaa miti, waan kabaja hin qabnedha.  Addaafi giddu…"

III. Rakkoolee Barruudha (Qeeqa barreeffamaa)

A. Dubbifata dabalaaf

1. Biblical crtiticism: Historical, Literary and Textual, by R. H Harrison
2. The Text of the New Testament: Its Transmisiionk corruption and restoration by Bruce M. Mefzger
3. Introduction to New Testament Textual Criticism, by J. H Greenlee.

# HAFAA SADAFFAA
# HIIKA JECHOOTAA

**Addoption(Mucummaa).** Kun ilaalcha duraan ture yeroo ta'u, Yesus Waaqayyummaa wajjin walitti dhufeenya qabu dha'a. yaadi isaa inni jalqabaa kan bu'ureeffattu Yesuus karaa kamiinuu nama yeroo ta'u mucummaa kan argate Waaqayyoon karaa bifa kan biraatiin jechuunis cuubaadhaan (Mat 3:17 Marq 1:1) yookiin (Rom 1:14) irratti bu'uureeffatee kan ilaalameedhaan. Yesuus kara bifa fakkeenyaa ta'een karaa kanaan akka jiraatte Waaqayyos karaa ta'umsa tokko tokkootiin ( cuubaadhaa fi du'aa ka'uumsaan) ilma mataa isaa akka ta'eef (Rom 1:14 Filp 2:9) haala ilaallateen ni agarsiisa. Beeksisni amantii kun jaarra 8ffaa tti kan ture ilaalcha waldalee kiristaanaa warra xiqqataa kan ture dha. Waaqni nama ta'e (the incarnation) agarsiisuu manna garagalche namni akkamiin akka Waaqa akka ta'e agarsiisa.

Waaqa kan ta'e Yesus Ilmi, Waaqayyummaa duraan ture jireenya fakkeenyummaa jiraachuu isaatiin Waaqayyo hulfina laateef jechuun jechaan ibsuuf ni rakkisa. Inni durumaanuu Waaqayyo erga ta'e akkamiin hulfina badhaafamaa? Innis hulfina Waaqayyummaa duraan durse jiru utuu qabuu akkmiin ulfinni dabalataa kennamaaf? Dhugumaan kana irra ga'uudhaaf nu rakkisa. Jechuunis Abbaan Yesuusiin bifa adda ta'een fedhii abbaa isaa raawwachuudhaan ulfaachuu isaa agarsiisuudhaaf ta'a.

**Alexsanderya scholl (Barsiisa Aleksaanderiyaa).** Hiiki Macaafa Qulqulluu gosa akkasii Aleksanderiya Gibxiitti jaarraa 2 ffaa tti kan jalqabameedha. Bu'uura kan taasifates qajeelfama hiika kan Fiiloo yeroo ta'u duuka buutuu isaa kan ta'e kan Plaatoo fayyadama. Mala fakkeenyummaas jedhamuudhaan beekama. Hanga bara haarominaattis waldaa kiristaanaatti itti hojjetamaa tureera. Beektonni hiikichaas Origeni fi Awugistiin. Ibsa dabalataatiif macaafa Moises Siliva, *waldaan kiristaanaa Macaafa Qulqulluu dogoggorsitee hiikteetti ta'innaa?* Isa jedhu dubbisi ( bara harraaraa 1987)

**Alexandrinus (Aleksaanderinus).** Kun jaarraa 5ffaa Aleksaanderiyaatti kan argame barreeffama arkaan barreeffame yeroo ta'u, keessa issatti Kakuu Moofaa, Kan mullata(Apocrypha) fi Kakuu Haaraa harka heedduu kan of keessatti kan haammatedha. Barreeffamichi hiikaa Kakuu Haaraa kan Giriikii kan ilaallateen kan caqasamu isa olaanaadha. (Maatewoos, Yohaannis, 2Qorontoos kutaa tokko tokkoottii kan fhafe) kitaabni kun maqaan isaa addaa "A" kan jedhamee fi barreeffamin kan biraa barreffamni kan Vatikan maqaan isaa addaa "B" kan jedhame. Dubbisa irratti yeroo walii galu karaa beektota Kitaaba Qulqulluu sirna seer lugaa keessatti akka isa bakka guddaa qabu taasifamanii fudhatamu.

**Allegory (carraaqqii hiika dhokataa baruuf taasifamu).** Hiiki Kitaaba Quluqulluu gosa akkasii jalqaba kan babbal'ate Aleksaanderiyaa amantii Yihudotaatiin. Iddoo olaanaa qabataa kan dhufe Fiiloo Alksaanderichaatiin. Fedhiin bu'uura amantii isaa caaffanno Qulqullaa'oon akkuma akka amantii namaa fi falaasamatti seeraatti fiduudhaan yoomessa seena qabeessa Kitaaba Qulqulluu (yeroo fi bakka) qabiyyee hoog baruu dhiisuudhaan. Caaffata Qulqullaa'oo keessatti hiika dhokataa argaman qoruu irratti xiyyeeffata. Yesuus Wangeela Maateewoos 13 irratti akkasumas Phaawuluus Galaatiyaa 4 irraatti dhugaa ibsuudhaaf fakkeenya jarri itti fayyadaman ni agarsiisa garuu kun bifa fakkeenyaa kan qabuu utuu hin ta'in bifa hoog barruu kan qabateedha.

**Analytical lexicon (Xiinxallii tarreeffama jechhootaa)** Kun tooftaa qo'annoo isa tokkoffaa yeroo ta'u tarreeffama jechoota Giriikii Kakuu Haaraa keessatti argaman addaan baasuuf gargaara. Tartiiba qubee qubee afaan Giriikii irratti hundaa'uun boocaa fi hiika isa olaana kan qabatedha. Amantoota afaan Giriikii hin dubbifneef hiika addaa waliin qabsiisee kaa'uudhaan seerluga Kakuu Haaraa keessatti afaan Giriikiitiin jiruuf tarreeffama hoogbarruu hubachuuf dandeessisa.

**Analogy of scripture(Walfakkeenya caaffata qulqullaa'oo)** Himin kun hubachiisuuf kan inni barbaadu guutumma Kitaaba Qulqulluu sagalee Waaqayyoo akka ta'ee fi waliin kan mormu osoo hin taane wal deeggaruuf akka ta'e hubachiisuudhaaf. Haalaan kan qindaa'e dhiyeessi akkasii sagalicha haala bu'uura ta'een walitti dhiyeessuun kaa'uudhaan kuta Kitaaba Qulqulluu hiika.

**Ambiguity (waan hiika tokko caalaa qabaatee karaa gara garaatiin hiikamu hiiki isaas shakkisiisaa ta'e).** Kun kan inni agarsiisu hiika shakki qabeessa kan qaban kuusaa barreeffamootaa yeroo ta'u hiika lamaa fi isaa ol yommuu qabaatu yookiin lamaa fi isaa ol kan ta'an tibba tokkicha caqasuudhaaf kan mudatudha. Yohaannis ta'e jedhee tooftaa kanatti fayyadameera.

**Anthropomorphic ()** hiiki gosa akkasii ilma namaa wajjin kan walqabate kan agarsiisu yeroo ta'u jechi isaa inni hundeen afaanii kan amantii Waaqayyo wajjin kan qabu walitti dhufeenya. Jechi isaa inni jalqabaa kan dhufe kan Girikii irraa dhufe yeroo ta'u ilma namaa jechuudha. Hiiki isaa nuyi waa'ee Waaqayyo kan dubbannu loqoda kan namummaa jechudhaa. Haala Waaqayyo bifa hawwaasumaatiin jechoota xiin sammuutiin ilmaan namootaa waliin (Seera Umamaa 38, 1Mototaa 29: 19-23) akka barreesse isa dubbate jechuudhaa. Dhugumaan kun walfakkeenya qofaadha. Sanas ta'e kana ilmaan namootaa malee itti dhimma b a'uuf akka danddeenyu gareen yookiin jechi hin jiru. Kanaafuu beekumsi nuyi waa'ee Waaqayyoo qabnu dhugaa irratti hundaa'ee muurtaa'ina akka qabu agarsiisa.

**Antiochian school (barumsisa Antsokotaa).** Malli hiika Macaafa Qulqulluu gosni akkasii warraa Asoorotaa kan ta'an Antsookotaan jaarraa 3ffaatti kan baballate yeroo ta'u, mala fakkeenyumma isa kan warra Antsookotaatiin kan wal falleessudha. Bu'uurri amantii isaas seenaa hiika kan seenaa isa kan Kitaaba Quqlqulluu irratti xiyyeeffata. Kitaaba Qulqulluu akkuma hogbarru isa kan ilma namaatti hiika. Barsiifni kun Kiristoos amala lama qaba isa jedhu barsiisa Nisxirichaa fi yookiin amala tokko qaba (waaqa guutuu fi nama guutuu) barnoota jedhuu gidduutti walii galtee dhabuu isa ka'e keessa galee akka ture ni beekama. Booda waldaa kiristaanaa Roomaan akka barumsa dogoggoraatti waan fudhatameef gara Persiyaatti yeroo demee lammaffaa ijaaramuudhaaf yoo yaalames ejjennoo gaarii kan ta'e utuu hin qabaatin hafeera. Qajeelfamni hiika bu'uuraa garu hiika kan seera qabu akka ta'uudhaaf Luterii fi Kalviiniif geggeessitoota haaromsaa (reformation) faayidaa irra ooluu danda'eera.

**Antithetical (kan faallaa).** Kun sadii keessaa gosa isa tokkoffaa kan ibsu mala kan barreeffamaa yeroo ta'u himoonni kan Ibrootaa karaa dubbii dacha kan walitti firooman agarsiisa. Hiikin isaanii kan walitti hindhufne hidd dubbii dacha walitti firoma isanii agarsiisaa. (Fak 10:1, 15:1)

**Apocalyptic litireture.**( hoogbarruu kan mullataa) kun harka caalaan karaa bifa adda ta'een gosa hogbarruu kan Yihuudotaati. Barreeffamni icciti gosa akkasii kan amma amma taasifamuudha. Qabiyyeen barreffamichaas Waaqayyo biyya lafaa akka uume guutummaan isees kan isaa akka taate furuu akka danda'u agarsiisee Israa'eeliidhaaf kaayyoo adda ta'e akka akka qabaatuu fi isheedhaaf akka of eeggatu agarsiisa. Hogbarrichi moo'ichu inni dhumaa kan argamu hirree Waaqayyo akka ta'e cimsee dubbata.

Barreeffamichi baay'ee kan fakkenyaan guutamee tilmaama yookiin abjuu irratti kan hundaa'e jechoota iccitiitu isatti baay'ata. Yeroo baay'ee dhugaa halluudhaan, lakkoofsotaan, haala tilmaama yookiin abjuu irratti kan hundaa'e, karaa ergamoota giddugaleessa godhateen, karaa jecha dhokattaatiin kan mul'atu ta'ee yeroo baay'ee hamaa fi gaarii gidduudhaan akka karaa billaa qarlamaa addaan hiree darba.

Gosi fakkeenyota kanaa tokko tokko tokkoffaa Kakuu Moofaa Ezk boqonnaa 36-48, Dan boqonnaa 7-12, Zakriyaasii fi Kakuu Haaraa immoo Mat 24; Mar 13; 2Tesl 2 fi Mullata Yohaannis irratti.

**Apologist (apologetics). (dhiifama gaafachuu)** kun hundeen jecha Grikii "ittisa seera qabeessa"kan jedhudha. Barumsa kan Kitaaba Qulqulluu keessaa kutaa barumsaa keessaa isa tokko yeroo ta'u amantii kiristaanaatiif walmorkiif ragaa ta'a.

**Prior (isa duraa).** Jechi sun duraan kan ittiin adeemsifame itti galiinsaa wajjin walitti dhufeenya cimaa kan qabudha. Akkaataan yaadii isaa karaan itti deeme duraan dursee kan ba'nii fi hiika fudhannee, qajeelfamoota, yookiis ejjennoowwan hundaa'uudhaan akka dhugaatti fudhachuudhaan itti fufuudha. Qorannoo dabalataa kamiinuu maleedhaa fi ibsa malee kan fudhannu jechuudha.

**Arianism**. (**Ariyoosummaa).** Ariyoos Aleksaanderyaa Gibxitti waldaa kiristaanaa Presbiterianiitt jaarraa 3 ffaa fi 4ffaatti kan turedha. Jabeessee kan ittiin morku Fak 8:22-31 irra jecha jiru yeroo ta'u, Yesuus duraanuu akka ture yoo fudhates Waaqayyummaa isaa ganeera. (Abbaa wajjin wal qixxaachuun irra hin jiru jedha)

Phaaphaasii Alksaanderiyaa irraa mormiin kan isa mudate yeroo ta'u kuns bara haraaraa 318 kaasee walmorkii waggoota heedduudhaaf turedha. Ariyoosummaan keessumaayyuu bu'uura amantii waldaa kiristaanaa kan ba'aa ta'ee fudhatamee ture. Bara haraaraa 325tti beektonni Niqiyaatti walitti qabaman Ariyoosiin ifatanii walqixxummaa Waaqayyummaa Ilmaa cimsaniiru.

**Aristotle**. (Aristootilii). Falaasa Girikii ishee durii yeeroo ta'u barataa Platoo fi Barsiisaa Elekisaanderi isa guddichaati ti. Dhiibbaan isaa amma ammaatti qo'annoo ammayyaa fi barsiisa irratti kan jabaatedha. Sababni kun itti ta'es hubbannaa fi mala barsiisaa karaa qabateen xiyyeefannoo waan kenneedhaaf. Kunis mala qo'annoo saaynsii isa tokko akka ta'e ni beekama.

**Autographs**. Kun mogaafama barreeffamoota Kitaaba Qulqulluu warren jalqabaatiif kan keennameedha.Barreeffamoonnii jalqabaa haraakaan barreeffaman kun guutummaa guututti badaniiru.Kan amma jiran warrabbilee waraabbilee qofaadha.Kunis qabiyyeen barreeffamoota kanaa kuniif qooqa Ibraayisxii fi kan Grikii gidduutti garaagarummaa akka uumamu taasiiseera.

**Bezae.** Kun jaarraa 6ffaatti keessa kan ture barreeffama qooqa Griikii fi laatiiniiti. Mallattoo "D" kan jedhu yoo qabaatu, Wangeeloota, hojii ergamootaa fi walii gala ergaa tokko tokko o kan of keessaa qabuudha.Kana malees barreeffamoota hedduu garaa garaa kan of keessaa qabuudha.Kitaabaa Qulqulluu Afaan Ingliizii King James jedhu kessattii hammatamuu waan qabaniif bu'uura kaa'eera.Yookiinis akka ka'umsaatti garagaarera.

**Bias** (**gama tokkoof looguu).** Jechii kun kan inni agarsiisuu,waan tokko irratti ykn Ilaalcha jalqaba ture irratti loogii ykn yaada hin sochoone qabaachuudha.Sammuun waanta tokkoon kan qabame yoo ta'e loogii taasiisuun isaa kan hin oollee ta'uu issaa nutty agarsiisa. murtii miciirama jalqaba sammuu keessa ture kan agarsiisuudha.

**Biblilical Authority**.(Aangoo Abbummaa Kitaaba Qulqulluu), Jechii kun karaa adda ta'een faayidaa irra kan ooluudha.Kana jechuunis barreessaan inni jalqabaa, baraa isaatti maal jechuu akka fedheefii amma bara keenyatti haala akkamiitiiin hojii irra oolchuu akka dandeenyu isa jiru kan haammateedha. Aangoo Abbummaa Kitaaba Qulqulluu kan inni agarasiisu Kitaaba Qulqulluu mataa isaa qofa abbaa aangoo keenya inni ta'e kan agrasiisudha.Kan ta'e ta'ee faalamnii hiikaa akka hin uumamneef hiika Kitaaba Qulqulluu karaa seena hordoofufii seer-luga karaa hordoofen qofa murteessuun ni gaha.

**Canon**. Heera.Jechii kun barrefamoota afuuraa ti jedhamanii kan itti amanaman ibsuuf kan itti dhimma bahameedha. Kunis barreeffamoota Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa lammanuu ilaalchisee kan itti dhimma bahameedha.

**Christocentric** (**Giddugaleeffama Kiristoos)**. Jechii kun kan inni itti gargaarame Yesuusiin gidduu gala ta'u isaa agarsiisuufidha.Jecha kana kan ani itti fayyadame guutummaa Kitaaba Qulqulluu keessatti yaada gooftummaa Yesuusii waliin walitti qabsisee agarssiisuufanidha.Kakuun Moofaan garaa isaatti kan xiyyeeffatee agarssisuudha.Inniis xumura jecha isaa fi galmaasaati.(Matt 5:17-48 Ilaalii) .

**Commentary. (**Hiika Ibsituu).Kun Macaafa qo'annoo adda ta'eedha.Barreefamoota Kitaaba Qulqulluu ta'aniif seena duda dubaa bu'ura ta'e kan keenudha.Eegaa kutaa macaafichaa tokkoon tokkoon isaa ibsuuf kan yaaluudha.Tokkoo tokko haala raawwiitti hiilamuusaa irraati kan xiyyeeffatanu yammuu ta'anu, kaan ammo haala teekniikaa barreeffamichaa irratti xiyyeefatu.Kitaabooleen ibsituu akkasii kunneen baayyee fayida qabeessa. Haa ta'u malee garuu, isaanii duraa , namni qo'atu sun qo'annoo mataa isaa gaggeessuun isa irra ni eegama.Macaafooleen ibsituuwwaan kanneen kana namni fudhachuu dandda'u kan isaaf ta'u gadi fageenyaan qo'atee ta'uu qaba.Kanaafis ibsituwwaan adda addaa eejjeennoo barnoota kitaaba Qulqulluu adda addaa waliin madaalee ilaalutu filatamaadha.

**Concordance**.Kuusaa jechootaa, Kun Meeshaa kitaaba Qulqulluu qo'achuuf gargaaruu keessa isa tokkoodha. Jechoota Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa keessa jiran tartiibaan kan tarreessaniidha.Karaa hedduudha garagaarsa ni godha.(1) jechoota afaan Inglizii tokkoon tokkoon isaanii afaan Ibrayixii fi Griikii wal bira qabee maal jechuu akka ta'an kan agarsiisuudha. (2) Buufata waliin ilaluudhaan gosa tokko kan ta'an jechii Ibraayisxii fi Griikii hojii irra ooluusaanii hubachuuf dandessisa.(3) Jechootni lama kan Ibraysxii ykn kan

Griikii hiika walfakkataa qabaatanii gara afaan Ingliiziitti kan hiikaman ta'u isaanii ni agarsiisa.(4) Jechootni ammamiin irra deddebi'amee akka itti fayyadamanii fi Macaafoota kamiin keessa akka jiraatanii fi eenyuun akka barreeffaman ni agarsiisu.(5) Kitaaba Qulqulluu keessaa namni tokko dubbisa akka inni barbaadee argatu ni gargaara.

**Dead Sea Scrolls.(Barreeffamoota galaana du'aa keessatti),** kun kan inni agarsiisuu barreeffamootni bara durii kuusaan isaanii Afaan Ingliziitii fi Afaan Araamiyikiitiin barreeffaman. Bara 1947 ti galaana du'aa biratti argamuu isaanii kan addeessuudha.Kuusaawwan barreeffamaa kun mana kitaabaa amantaa yoo ta'an, kutaa Yihuudii kan ta'an jaarraa tokkooffaa keessa kan turaniidha.Bittaan Mootummaa Roomaa babalachuunii fi bara 60ffaa keessa kan gaggeeffaman loollii inaaffaa Gadaamii fi holqa keessatti dhagaa supheedhaan ukkaamamanii akka turan kan dirqisiisee ta'uun isaa ni tilmaama.

Kuusaan barreeffamaa sun, Filisxeemootaa jaarraa tokkooffaa keessa kan turan,yoomessa seenaasaanii akka nuti hubannuuf barreeffamoota 'maasooreetikii' jedhamuun dhugummaasaanii akka hubannuu(Dhaloota Kiristoosiin dura isa ture) nu dandeessisaniiru.Xiyyeeffanadhaniis 'DSS' Dead Sea Scrolls, jedhamuun beekamu.( Barreeffamoota galaana du'aa)

**Deductive.** Yaadni kun kan inni ibsuu yaada walii gala irraa gara tokkoon tokkoon dubbichaatti kan geessuudha. Yaada xiqqoo tokkoon tokkoon irraa ka'uun isa ibsuudha 'inductive' isa jedhamee beekamuu irraa adda ta'eedha. Kunis yaada karaa saayinsiitiin murtiidhaaf ibsamu adeemsa ilaalcha xiqaa irraa bal'aatti deemuudha.

**Dialectical(Diyaaleektiikaalii).** Yaadni akkanaa kun waantota faallaa ta'an tarreessee (paradox) yaada falaasamaa fi tokkummaa karaa lachaniin jiranu kan qo'atudha. Barsiisonni isaa diyalektiikaalii garee lamaanii qabu. Caqasuudhaafis kanmurtaa'eedhaaf-fedhii bilisa ta'e, fayyinaaf-obsa, hojii-amantii, murteessuu-duukabuutummaa, kiristaanummaa bilisaafii-itti gaafatamummaa kiristaanummaa.

**Diaspora( lammii biyya ormaa jiraatu).** Jechi kun jecha Girikii yeroo ta'u Yidinni biyya Kana'aan Yihuudota biyya isaanii ala jiran daangaa lafa isaaniin ala kan jiran Yihuudota waamuudhaf kan itti fayyadamaniidha.

**Dynamic equivalent:** (Walqixxummaa guutuu). Kun hiika Kitaaba Qulqulluu kun kan dhugaa tokko ibsuudhaaf yaada sirriitti waliin qindeeffamee sirreeffame (theory) yeroo ta'u hiikonni isaa jechaa jechatti walqixxee fi jechii Ingliffaa tokko Ibiroota irraa yookiin Girikii irraa kan isaan walqixu argatanii jijjiiruun kan isaaf ta'u yeroo ta'u, kun yoo hin taanes yaada bifa galeetiin sirriitti mummee isaa irraa utuu hin dabin akka hiikamu taasisa. dhugaa tokko ibsuudhaaf yaada sirriitti waliin qindeeffamee sirreeffame lamaan kana gidduutti walqixxummaa guutuu barreeffama ka'umsaa xiyyeeffate qabatee seerluga hammayyaa'een hiikamuutu irra jira jedha. Hiikin ibsa hiika dhugaa tokko ibsuudhaaf yaada sirriitti waliin qindeeffamee sirreeffamee kanaa "Kitaaba Qulqulluu akkamiin hubannoodhaan haa dubbifannu" Kitaaba Fi fi Stawoort fuula 35 irraa Roobert Bartcher seensa TEV tti kan itti gargaarame irraa argama.

**Eclectic (yaadaa fi amantii garaa garaa ilaaluudhaan kan ta'e filachuu).** Jechi kun faayidaa irra kan oole qeeqannoo kitaabichaa taasisuudhaaf. Faayidaan isaa dubbisa garagaraa baarreeffama Griikii keessaa barbaaduudhaan fi sakatta'uudhaan barreeffama isa jalqabaa bira ga'uudhaaf kan nama dandeessisuudha. Hogbarruu Girikiii gidduudhaas isa olaanaa irratti hirkachuudhaa bifa yaadaatiin kan kennaman hin fudhatan.

**Eisegesis.** Kun faallaa (exegesis) barreeffama amantii bali'naan ibsa itti laachuuti. Jechuunis exegesis yaada barreessaa isa jalqabaa keessaa kan ba'e yoo ta'e "eisegesis" immoo yaada ormaa yookiin ilaalcha keessatti baay'inaan galchuudhaa fi galuu ilaallata.

**Etymology (sayinsii waa'ee maddaa fi seenaa jechootaa fi hiika isaanii qo'atu).** Kun qo'annoo madda jechaa yeroo ta'u ka'umsi isaa maal irraa akka ta'e qo'ata. Hundee jechaa irraa ka'uudhaanis jechichi akkamiin faayidaa irraa akka oole beekuudhaaf dandeessisa. Yeroo hiikaa garuu **Etymologyiin kun** qabxii isa irratti xiyyeeffatamu isa olana miti. Hiika qabiyyichaa fi galiinsa jechichaati kan irratti xiyyeeffatamu.

**Exegesis (waraabbiitti ibsa kennuu yookiin kan Kitaaba Qulqulluutti).** Kun barreeffamicha irraa karaa ala ta'een yoo sakattaa'ame yaada barreessaa isa jalqabaa hubachuudhaaf kan nama dandeessisuudha. Kun yoommessa seenaa qabiyyee xinhima seerlugaa fi hiika jechichaa ilaala.

**Genre.** Kun jecha Faransayii yeroo ta'u gosa barreeffama gara garaa jechuudha. Gosa barreeffama walfakkeenyummaa qabaataan bakka tokkotti isaan ramada. Fakkeenyaaf seenaa seenessuu, dubbii dacha, fakkeenya, kan raajii fi kan seeraatu keessatti argamu.

**Gnosticism.** Dhimma kanaaf beekumsii nuyi qabnu kan maddu jaarraa 2 ffaa keessa kan turaniif barreeffama Ginostik yerooo ta'an yaadi isaa garuu jaarraa 1ffaa yookiin duraan dursee kan turedha.

Tokko tokko akka jedhanitti kan Valantini fi kan Qorontin kan jaarraa 2ffaa Ginostikis, 1ffaa waanta ijaan argamuuf qaqqabatamu fi hafurri bkan bara baraa yeroo ta'an tokkoffas lammaffaas qabatanii waanti (mater) gaarii yeroo ta'u hafuurri(spirit) garuu gariidha. Hafuura kan ta'e Waaqayyo kallattiidhaan waanta hamaa hojjechuu keessa hin seenu. 2ffaa Waaqayyoo fi waanta (mater)gidduu kan yeroo dheeraa yookiin sadarkaa ergamaatu(angles) jira. Kan dhumaa yookiin kan gad aanu YHWH yeroo ta'u addunyaa kana (kosmos) kan uumeedha. 3ffaa Yesuus kan ba'e akka YHWH yeroo ta'u sadarkaan isaa garu kan ol ta'ee fi waaqa isa dhugaa wajjin kan walqixudha. Tokko tokko ol aanaa taasisanii fudhachuun Waaqayyo irraa gad aanaa kan ta'e waaqayyummaa isaatiin osoo hin taane foon huffachuusaatiin Yoh 1:14 waanti(mater) akkuma haamaa ta'uu isaa Yesus dhagna namaa huffatee Waaqayyummaa ta'uu h in danda'u. inni hafuura 1Yoh 1:1-3, 4:1-6. 4ffaa fayyinni argamuu kan danda'u Yesuusitti amanuudhaa fi beekumsa adda ta'e argachuudhaan.

Beekumsi addaa kunis namoota addaatiin kan beekamuudha. Beekumsa yookiin jechi nama dabarsu gara Mootummaa Waaqayyootti nama barbaachisa. Beekumsi seeraa kan Yihudotaas gara Waaqayyoo ga'uudhaaf kun akka nama barbaachisu ni agarsiisu. Barsiisonni sobaa kan Ginoostiksii seerota sakkoo gosa lama kan wal jifatan kaa'aa. 1ffaa haala jireenyaa tokko tokkoof fayyinaa wajjin umaa walitti dhufeenya hin qabu. Jaraaf fayyinni hafurummaan beekumsa dhokataa, yookiin jecha ittiin darban(pass word) kan jedhameen kan walitti hidhaman geengoo(spheres) ergamootaati jedhu. 2ffaa kan biroon immo haalli sirna jireenyaa fayyina irratti qabxii isa guddicha jedhu. Haala jireenyaa isa fooya'aadhaafis xiyyeefannoo kennuudhaaf hafuurummaa (spirituality) isa dhugaadhaaf raga kaa'u.

**Hermeneutics. (Hermeneuticsii)**. Jecha teknikaa yeroo ta'u exegesisiif akka qajeelfamaatti tajaajila. Kan karaa lamaa kan ta'e qajeelfama murtaa'aa ogummaa kan uumamaati. Kan Macaafa Qulqulluu yookiin kan qulqullaa'e kan jedhuun Hermeneuticsii bakka garee lamatti jechuunis qajeelfama walii gala yookiin qajelfama tokkoon tokkoon isaa kan jedhuun. Kunis Kitaaba Qulqulluu keessatti kan argaman hogbarruu gara garaatii wajjin walitti firooma. Gositi hogbarruu gara garaa tokko tokko qajeelfama adda ta'e kan ofii isaa kan qabu yeroo ta'u kanneen biro wajjjin immoo tilmaammiiwwan fi galiinsa hiikaa wajjin walfudhata.

**Higher Criticism**. (ajiifannoo isa olaanaa). Hiiki Kitaaba Qulqulluu kun galiinsa yeroo ta'u kan inni irratti xiyyeeffatus kitaaba kan Kitaaba Qulqulluu isa tokko irratti yoomessa seenaa irrattii fi caasaa hogbarruu uirratti.

**Idiom (jechama).** Gaaleen kun adaa gara garaa irratti hirkachuun hiika hiika jecha isa jalqabaa wajjin kan walitti hin qabanne kan kennudha. Tokko tokko fakkeenyonni ammayyaa "kan gadhee gariidha", "na ajjeefte" kan jedhan jiru. Kitaabni Qulqulluunis gaalee kana fakkaata qaba.

**Illumination (Ibsa).** Maqaan kun kan kennameef Waaqayyo ilma namaatti dubbachuu isaa agarsiisuudhaaf. yaadiii dhaan. 1) mullata- Waaqayyo seenaa namootaa keessatti hojjechuu isaa. 2) inspiration (yaada ka'umsaa)- gochichaaf hiika sirrii ta'an namoota filatamaniif kennuu isaa irraan karaa yaada ka'umsaa beeksisuudhaan galmeessanii ilmaan namootaatiif akka dabarsan taasisuu isaa. 3) ibsa- hafuura isaa ilmaan namootaatiif kennuu isaan waa'ee isaa akka beekaniif akka hubatan dandeessisuu isaa.

**Inductive (dhugaa irratti kan hundaa'e).** kun mala waan tokko ibsuu irratti (logic) kan hundaa'ee yeroo ta'u waan adda addaa irraa gara walii galaatti kan ibsuudha. Saayinsii kan ammayyaatiif kan hojiidhaan qorame ta'e tajaajiluu uirratti jira. Malichi durumaan kan Aristootiliiti.

**Interlinear.** Kun mala meeshaan qo'annoo yeroo ta'u afaan Kitaaba Qulqulluu kan hin dubbifanne akka ibsaniif hiika isaa fi akka itti caaseffame akka hunbatan gargaara. Hiika Ingiliffaa jechaa jechaatti kaa'uudhaan afaan Kitaaba Qulqulluu isa olaanaa wajjin walbira qabee kaa'a. Galiins qo'annoo kun jechoota hundee ibsuu waliitti makuun bu'uura kan ta'an hiika Girikii fi afaan Ibrootaaf bifa kenna.

**Inspiration(yaada ka'umsaa).** Kun yaada Waaqayyo ilmaan namootaatiif kan dubbate barreessitoota Kitaaba Qulqulluu karaa sirrii fi ifaan kan ibse akka barreessaniidhaaf. Yaadi isaa guutuun karaa bifa sadiitiin ibsama. 1) mullata- Waaqayyo seenaa namootaa keessatti hojjechuu isaa. 2) inspiration (yaada ka'umsaa)- gochichaaf hiika sirrii ta'an namoota filatamaniif kennuu isaa irraan karaa yaada ka'umsaa beeksisuudhaan galmeessanii ilmaan namootaatiif akka dabarsan taasisuu isaa. 3) ibsa- hafuura isaa ilmaan namootaatiif kennuu isaan waa'ee isaa akka beekaniif akka hubatan dandeessisuu isaa.

**Language of description (afaan ibsaa).** Kun Kakuu Moofaatti kan barreeffame fi jecha isaa walitti qabsiisuudhaaf yaadameeti. Innis galiinsa haasaa adunyaa keenaa qaama miiraa shanaaniin irratti hundaa'uun dhiyeessa. Garuu ibsa saayinsaawaa jechuu miti.

**Legalism (seera qabeessummaa).** Haalli kun kan inni agarsiisu kan seera qabeessummaatii fi ayyaaneffannaa tokko tokkoof sirna waaqeffannaa kan kennaniidha. Ilmi namaa kan raawwatan seeraa fi heera Waaqayyo ni fudhata jedhanii fudhachuudha. Walitti dhufeenya gad kan qabuudhaa fi seerratta kan ol qabu ta'ee walitti dhufeenya kakuuwwanii lamaan isa qulqulluu Waaqayyoodhaa fi namummaa isa cubbamaa gidduutti akka adeemsifaman kaa'a.

**Literal(hiika barreeffaamaa).** Kun hiiki barreeffamaa irratti kan xiyyeeffatu fi mala hiikaa seenaa kan ta'e adaa Antiihotaa ilaallata. Kan jechuunis hiiki qabuun kan irra jiru hiika isa ifa ta'e isa jabaa hin taane afaan ilmaan namootaatiin akka jedhedha jedha. Kana jechuun garuu afaan haala fakkeenyaatiin kan barreeffaman jiraachuu isaanii hiin ganu.

**Literary genre (gosa barreeffama).** Kun kan ilmaan namootaa ittiin walii galan kan ta'e gosa barreeffamaa jechuunis ciigoo, seenessa seenaa, kanaaf kan kana fakkaatan haammata. Gosii hoogbarruu tokkoon tokkoon isaa hiikaa mataa isaa yeroo qabaatu dabalataaniis hogbarruu gosa hundumaaf ta'a.

**Literary unit(barreeffamaa kutaa of danda'e).** kun kan agarsiisu kutaa ilaalcha Kitaaba Qulqulluu isan olaanaadha. Kunis dubbisa muraasatti boqonnawwannii yookiin keeyyataa qabuu danda'a. Ofii ofii isaattis gosa barreeffamaa giddu galeessaa guutuu kan ta'e kan qabatedha.

**Lower critcisim (**ajiifannoo gad aanaa**). Textual critcisim (**barreefama ajiifannoo) kan jedhu ilaali.

**Manuscript (barreeffama harkaan barreeffame).** Kun koppii Kakuu Haaraa Giriikiitii gara garaa agarsiisa. Yeroo baay'ee karaa gosa garagaraatiin ramadamu. 1) kan isaan irratti barreeffaman papiirusii fi kallee (papyrus, leather). 2) bifti barreeffamichi mataan isaa (qobee gurguddaa yookiin kan walitti qabate ta'uu isaa) gabaajee "MS" qeentee "MSS" lakkoofsa baay'ee jedhamu.

**Masoretic text (barreeffama Maasoretii).** Jaarraa 9ffaatti Kakuu Moofaa kan afaan Ibrootaattiin barreeffame barreeffama harkaan barreeffame agarsiisa. Kunis ogeeyyii Yihudootaatiin kan barreeffameef fi sagalee dubbisiiftuu fi yaaddanno gar jalaatti barreeffaman kan qabatedha. Kakuu Moofaa kan Ingiliffaa kan ta'u barreeffamni kana irraa kan argamedha. Barreeffamichi bifa seenaatiin afaan Ibrootaatiin akka ta'e kan mirkanaa'e yoo ta'u keessumayyuu raajii Isaayyaas barreeffama maramaa galaana du'aa tiin (dead sea scroll) beekameera. Gabaageenis "MT" (Masoretic text) jedhama.

**Metonymy.** Kutaawwan dubbi ta'ee, maqaan waanta tokkoo kan biraa wajjin caqasuun kan itti mullatudha. Fakkeenyaaf "jabanaan danfaa jira" yeroo jedhu "bishaan jabanaa sana keessa jiru danfaa jira" jechuudhaaf.

**Muratorian Fragments (Cabaa Muratorianii).** Kun kiitaabota seeraa fi heeraa tokkoon tokkoon isaa kan walitti qabate kutaaa Kakuu Haaraati. Kan barreeffames bara haraaraa 200 durseeti. Achuma 27 kitaabni Kakuu Haaraa Protestaantiidhaan kitaaba haaraadha. Kunis Waldaaleen mootummaa Room keessatti kan argaman oolaanonni manneen mare waldaalee yookiin jaarraa 4ffaa kan turan duraan akka hojjetame agarsiisa.

**Natural revelation(mullata uumamaa).** Kun Waaqayyo ofii isaa namootaatti kan ittiin mulisu kutaa isa tokko. Seerawwan uumaamaa (Rom 1:19-20) kan safuu qabu miijana sammuu (Rom 2:14-15) haammata. Far 19:1-6 fi Roma 1-2 irratti barreeffameera. Mul'ata addaa irraa gara gara. Jechuunis Waaqayyo mul'ata mataa isaa Kitaaba Qulqulluudhaanis ta'e karaa Yesuus Nazreetichaa jechuudha.

Gitin barumsa hafuuraa kun irra deebi'amee xiyyeeffannoon kennameefii kan akka Hug Roos jiran barreessitoota kiristaanota gidduutti sochii "adunyaa moofaa" irrattin ilaalmeera.

Jarris gitin kun hundu dhugaan hunduu dhugaa Waaqayyo akka ta'etti mirkaneeffatu. Uumamni Waaqayyoon beekuudhaaf balbala banamaadha. Kunis mula'ata addaa (Kitaaba Qulqulluu) irraa adda. Saayinsiin ammayyaa seerrata uumamaa akka qo'atu bilisummaa kennaaf. Akka yaada kootti saaynsawaa isa hammayyaatiin adunyaa isa lixaa dhugaa ba'uudhaaf carraa ajaayibsiisaa haaraadhan jedha.

**Nestorianism (Nisxrummaa).** Nisxiroos jaarraa 5ffaa keessa dura taa'aa Konstantinplii kan turedha. Kan barates Sooriyaa Antsookiyaaitti yeroo ta'u qabxiin inni ittiin mormii kaases Yesuus amala lama yeroo qabaatu inni tokkoffaan guutummaa guutuutti nama; inni kaan immoo guutummaa guutuutti Waaqayyummaadha jedha ture. Kunis Ortodoksii isa kan Aleksaandariyaa amalli tokko walmakameera kan jedhu irraa kan ba'edha. Xiyyeeffannoon Nisxiroos inni guddaan Maariyamiif kan kenname "haadha waaqaa" moggaasa jedhudha. Nisxiroos Siriil Aleksaandarichan ajiifannoon isa qaqqabee ture. Kunis naanna'ee naanna'ee kan baratee Antsookiyaaitti jechuudha. Yeroo sanatti Antsookiyaan waajjira muummee hiika Kitaaba Qulqulluu yeroo taatu aleksaanderiyaan immoo waajjira muummee dacha afur hiikaa mana barumsaa (allgorical) carraaqqii hiika dhokataa baruuf taasifamu turte. Nisxiroos taaytaa isaa irraa bu'ee akka baqaatiif (exile) ta'u taasifameera.

**Original Author (barreessaa jalqabaa).** Kun kan agarsiisu barreesitoota isaan duraa kan caaffata qulqullaa'oo barreessan.

**Papyrus (Pappirasii).** Bara durii akka waraqaa waa itti barreessaniitti kan tajaajilu kan Gibxootaati. Shomboqqooyookiin leemman laga qarqaraa irraa hojjetama. Kitaabonni durii kan Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa kan barreeffaman kana irratti.

**Parallel passage (bukkoo waan dubbifamu).** Kutaaleen yaadaa kunneen Kitaabni Qulqulluun kan nuuf kennameedhaaf hiika guutummaa guuttuunis isa akka ta'e yaada nama doggoggorsan kan nutty fakkaatan illee karaa giddu galeessumaa qabuun kan hiikudha. Kunis namni tokko ifa kan hin taaneef waanna dhubbisu sana hiikuudhaaf yeroo yaalu hubachuu danda'a. wantonni dubbifaman (passages) dabalataanis kutaaleen ifa ta'anii kan waliitti firoomna qaban matuduree kenname sana jalatti caaffata qulqullaa'oo irraa agarsiisu.

**Paraphrase (waanta barreeffame tokko gabaabsanii jecha namaa galuun dhiyeessuu).** Kun yaada hiikaan Kitaaba Qulqulluuti. Hiikaan Kitaaba Qulqulluu jechaa jechatti kan taasifamee fi booca walqabatu kan qabate ta'ee jechi Ingiliffaa afaan Ibirootaatiifis ta'e afaan Girikotaatti hiikin isaa barbaadamee yaadi kutaa sanaa inni baay'ee barbaachisaan garuu ilaalcha tilmaammii gad aanaadhaanbarreeffama isa olaanaa wajjin ilaalamaa kan itti hiikamudha. Yaada kana lamman keessaa "guutummaa guutuutti kan wal siman" kan jedhamu garuu barreeffamicha isa olaanaa seerluga ammaayyaatiin fi jechamaan hiikuudhaaf kan yaaludha. Kana kan ilaallateen ibsituun gaarii Fii fi Stuartiin "Kitaaba Qulqulluu akkamiin hubachuun haa dubbifannu" fuula 35 ilaal.

**Paragraph (keeyyata).** Kun karaa hololoo(prose)kan taasifamu gosa hiika isa olaanaadha. Yaada giddugaleessaa tokko fi guddina isaa qabatee jira. Al tokko tokko keeyyaticha irratti qofa xiyyeeffannee hiika isaa yeroo barbaadnu yaada barreessaa isa jalqabaa argachuu dhiisuu dandeenya.

**Parochialism(yaada dhiphinaan).** Kun kan agarsiisu loogiin kan qabame walitti dhufeenya barnoota hafuuraa fi addaa kan naannaa tokkoo ti qabameeti. "Aadaa" guutuu kan Kitaaba Qulqulluu adaa adaa kamiin irra iyyuu caalu fi haala inni ittiin hojii irra oolu yaada keessa hin galchu.

**Paradox(yeroo dhaga'an dhugaa waan hin fakkaanne garuummoo immoo dhugaa ta'uu waan danda'u).** kun kan inni agarsiisu dhugaawwan kan walii faallaa fakkaatan yeroo ta'u (ni ta'u hin ta'an) ergaa jedhu kan

qabatedha. Dhugaa kan inni dhiyeessu karaa faallaa ta'e irraa deemuudhaan. Dhugaaleen Kitaaba Qulqulluu heedduun kan isaan dhiyaatan karaa (miti-eeyyee) kanaa yookiin karaa galiinsa falmii gochuudhaan dhugaasaa bira ga'uf yaaluu (dialectic) waalii faallaa lachanii kanaa qabateeti. Dhugaaleen Kitaaba Qulqulluu akka uurjiiwwan wal irraa faffagaatanii taa'anii osoo hin taane akka uurjii gita gita qabatanii jiraniitti fakkeeffamu.

**Plato (Plaatoo).** Faalaasama Giriikii warra durii keessaa isa tokko. Falaasamni isaa waldaa ishee durii beektota Alekisaanderiyaa Gibxitti akkasumas karaa Awugisxinoos dhiibbaa huumeera. Pilaatoon, biyya lafaa irra kan jiru waanti kam iyyuu gargalcha(copy) waantota hafuuraati jedhee amana. Booda beektoonni hafuuraa yaada Pilaatoo kana gara "yaadawwan/boocawwan" jechuudhaan hojii hafuuraatiif hojii irra oolchaniiru.

**Presupposition(tilmaammii duraanii).** Kun waa'ee waan tokkoo dursinee kan yaadnu. Bareeffama qorachuu keenyaan dura yeroo baay'ee yaaadafii murtii(ejjennoo) waa'ee waanta tokkoo qabaanna. Tilmaammiin duraanii kun loogii jedhamuun beekama. Tilmaammiin yookiin beekkamtummaa duraa jedhama.

**Proof texting.** Kun shaakala jijjiirraa caaffata qulqullaa'oo lakkoofsaan qofa (kutaa isaa guutummaa utuu hin taane) yookiin yaada walii gala kutaa sanaa osoo hin taane hojii hiikuuti. Kunis lakkoofsicha yaada barreesichaa isa jalqabaa irraa kan garaa garaa ta'e utuu hin taane yaada dhuunfaa itti dabaluudhaan. Aboo Kitaaba Qulqulluu dhiisanii jechuudha.

**Rabbinical Judaism(Barsiisummaa Yihudummaa).** Seenaan jireenya Yihudootaa gosti akkasii kan jalqabame Dhaloota Kiristoos Dura 586-538tti Baabilooniin booji'amuu booda. Luboonni Yihudotaa fi manni qulqullummaan erga hafanii booda manni sagadaa Yihudootaa (synagogue) wiirtuu waaqeeffanna amantii Yihudootaa ta'uu danda'an. Bakka kanattis addaa Yihudotaa, walitti dhufeenya, waaqeffannaa fi caaffata qulqullaa'oo bakka itti qo'atan ta'uudhaan wiirtuu xiyyeeffannoo amantii biyyoolessaa ta'aniiru. Bara Juliyesiitti jarreen "amantii barreeffamaa"jedhamanii kan beekaman lubootaa wajjin bifa bukkootiin tajaajilaniiru. Bara haraaraa 70tti kufaatii Yeruusalem booda qaamni barreessitootaa olaantota Fariisotaa ta'uu danda'uudhaan gararraa jireenya amntaa Yihoodataa to'achuu danda'eera. Amalli isaas kan hojiin agarsiifamu hiika Tora(Kitaabota seeraa) irratti kan xiyyeeffatu ta'e mala fayyaddamuun Talmuudiin ibsuudha.

**Revelation(mul'ata).** Kun yaada Waaqayyo ilmaan namootaatiif dubbatu ibsuudhaaf maqaa kennamedha. Yaadi isaa guutuun karaa bifa sadiitiin ibsama. 1) mullata- Waaqayyo seenaa namootaa keessatti hojjechuu isaa. 2) inspiration (yaada ka'umsaa)- gochichaaf hiika sirrii ta'an namoota filatamaniif kennuu isaa irraan karaa yaada ka'umsaa beeksisuudhaan galmeessanii ilmaan namootaatiif akka dabarsan taasisuu isaa. 3) ibsa-hafuura isaa ilmaan namootaatiif kennuu isaan waa'ee isaa akka beekaniif akka hubatan dandeessisuu isaa.

**Semantic field** (**Dirree xinhiikaa)** kun kan ilaallatu waliigala waantota heedduu gosa tokkichaa kan jechaan walitti firoomaniiti. Inni jalqabumaan garaagarummaa yaaadaa sagalichi qabiyyee garaa garaa irratti qabudha.

**Septuagint**. Kun maqaa hiika Kakuu Moofaa afaan Ibrootaa irraa gara Girikiitti hiikameef kan kennameedha. Dudhaan akka jedhutti inni Yihuudota torbaatamaan guyyoota torbaatama keessatt barreeffame, mana kitaabaa Aleksaandeeriyaa Gibixiittiif. Guyyaa duudhaatti inni naannaa Dhaloota Kiristoos dura 250tti (dhugaan garuu yoo yaadne inni xumuramuudhaaf waggoota dhibba tokko fudhateera). Hiikaan kun barbaachisoodha sababni isaas (1) inni barreeffama durii kan Ibrootaa isa Masooretiikii wajjin akka walbira qabnee ilaallu nuuf kenna; (2) inni haala Ibroonni warri dhaloota Kirstoos dura jaarraa lammaffaa keessa turan akkamiin akkahiikan nu agarsiisa; (3) Yesuusiin simaachuu dhiisuu isaaniin dura hubannoo Yihuudonni Masihichaaf qaban agarsiisa. Gabaajeen isaas "LXX" jedha.

**Sinaiticus**. Kun barreeffama Griikii jaarraa afuraffaati. Inni kan argame beektota Jarmaniitiin. Tischendorf, at qul. Katherine's gadaamii bakka Jebel Musa, bakkaa aadaa gaara Siinaa. Barreeffamni kunis kan inni ittiin filatame qubee afaan Ibrootaa isa jalqabaa "« *aleph* » [ א ] tiin. Inni guutummaa Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa qabatee jira. Inni barreeffama bara durii keessaa isa tokko qubee guddaa MSS jedhuun kan beekamu.

**Spiritualizing(kan hafuuraa taasiisu).** Jechi kun Aliigorii isa jedhamuu wajjin walfakkaata. Karaa qabiyyee isaa isa jechaa jechattii fi kan seenaa haquudhaan keeyyata sana ulaagaa kan biraaa irratti hundaa'uun hiika.

**Synonymous (moggoyyaawaa).** Kun kan ilaallatu jecha sana yookiin hiikaawwan walfakkaataa(dabalataan dhugumaan jechoonni lama xinhiiki isaanii wali irra hin bu'u). jarri maarree baay'ee walitti dhiyaachuu danda'u kanaaf hima keessatti utuu hiika isaanii hin balleessin inni tokko isa kan bira bakka bu'uu danda'a. Inni dabalataan ceenaayyina (parallelism) lamman walaloo Ibrootaaf fayyaduu danda'a. Akka yaada kanaatti inni kan ilaallatu kitaabota ogummaa keessatti argaman sarara lama ta'nii garuu dhugaa tokko agarsiisu (Far. 103:3).

**Syntax (xinhima).** Kun jecha Griikii ta'e kan inni ilaallatu ijaarsaa hima tokkooti. Kan inni dubbatus amalli kutaa hima tokkoo wal bira kaa'aman yaada guutuu tokko uumuudhaaf jedha**.**

**Synthetical (yaada garaa garaa gara yaada cuunfamaa tokkootti fiduu).** Kun jecoota sadan haala walaloon (poetry) Ibrootaa wajjin deemudha. Jechi kun waa'ee toora walaloowwanii dubbata, tokko tokko irratti haala guddinaatiin ijaaraamaa. Alii alii akka haala qilleensaatti fakkeeffama "climatic" jedhamee waamama (Far. 19:7-9).

**Systematic theology**. Sadarkaan hiika akkasii dhugaa Kitaaba Qulqulluu tokummaa fi karaa sababaatiin yeroo dhiyeessaniidha. Kaan seenaa ta'uu isaa irraa sababa dhiyeessuu isaatu caala kunis barnoota kiristaanummaa kan hafuuraa ta'an gita gitaan taasisuun fakkeeenyaaf Waaqayyo, cubbuu, nama, fayyinaa fi kanaaf kana kan fakkaatan dhiyeessa.

**Talmud(Taalmudii)**. Kun xinhima Yihuudotaa moggaasa kennameedha. Yihuudonni Waaqayyo gaara Siinaa irratti Museetti akka dubbate ni amanu. Dhugumaan yeroo ilaalamu garu ogummaa Yihudootaa walitti qabame waggoota heedduuf kan walitti kuufamedha. Hiika Taalmuudii gosa gara garaa lamati jiru. Kan Baabloonotaa fi gabaabaa fi kan hinxumuramne kan Kanaa'aan (Palestinian).

**Textual criticism**. Kun barreeffama Kitaaba Qulqulluu qo'achuudha. Qo'annoon gosa akkasii kan barbaachisaa ta'uuf barreeffamoonni warri jalqabaa waan hin argamneef hiikaan jaraa garaa gara tauu isaaniiti. Garaa garummaa ibsuudhaan amma danda'ameen gara barreeffama Kakuu Haaraa fi Kakuu Moofaa isa jalqabaa bira ga'uudha. Yeroo heedduu "qoranno isa gad aanaa" jedhama.

**Textus Receptus (akkaataa simannaa barreeffamaa).** Moggaasin kun gara hiika Elzer kan ta'e Kakuu Haaraa Griikii bara haraaraa 1633 hiikametti guddate. Jalqabumatti iyyuu Kakuu Haaraa Griikii kun kan argame muraasa duraan barreeffamanii kan turan barreeffama Griikii fi Laatiinii kan harkaan barreeffamanii turan jechuunis Erasmus (1510-1535), Stephanus (1546-1559) fi Elzevir (1624-1678) irraa ture. kitaaba *An Introduction to the Textual Criticism of the New Testament*, fuula 27, A. T. Robertson barreesse irraa akkas jedha "barreefamni Beezaantaayin kun hojiin yeroo ilaalamu barreeffamoota fudhuchuudha." Jedheera. Barreeffamoonni Beezaantaayiin kun baay'ee kann fayyaduu kan ta'an barreeffamoota Griikii durii sadan (kan lixaa, Aleksaanderyaa fi Beezantaayiin) keessatti kan ramadamuudha. Keessa isaatti duri yeroo harkaan garagalchaman dogoggooroota ta'an qabatee jira. Ta'us garuu A. T. Robertson barreefama isaa keessatti ammas akkas jedheera "barreeffamoonni kun keessa isaaniitti nuuf kaa'anii darban waantota heedduu barbaachisoodha." jeddheera (fuula 21). Barreefamni Giriikii kun (keessumattuu maxxansa sadaffaa kan Erasmus isa 1522) King Jems Version (KJV) isabara haraara 1611 qophaa'eefis bu'uura guddaa ta'eera.

**Torah** (**Tooraa).** Kun jecha Ibrootaattin "barsiisuu" jechuudha. Innis barreeffama Museetiif (Seera Uumamaa hangaa Seera Keessa Deebii) kan jiraniif maqaa seera qabeessa ta'eera. Kun Yihuudotaaf kutaa bakka guddaan kennameefii fudhatama qabudha.

**Typological.** Kun hiika ogummaa gadi fakkeenya qabu. Yeroo heedduu dhugaan Kakuu Haaraa Kakuu Moofaafii akka bifa fakkeenyaa ta'uun kan caqasuudhaaf kan waliitti firoomsudha. Gitin hiikichaa inni olaanaan mala kan isa Alekisaanderiyaa kan hordofedha. Hiiki gosa akkasii kun sirriitti rawwatamuu dhiisuun hiikuun isaa yeroo geggeeffamau kutaa Kakuu Haaraa keessa kan murtaa'an irratti ta'uu qaba.

**Vaticanus (Vatikanus)** kun barreeffama harkaan barreeffame kan jaarraa 4ffaati. Mana kitaabaa Vatikaan keesssatti argame. Jalqaba irratti kan inni qabatee jiru Kitaaborta Kakuu Moofaa hundumaa, Kitaabota

Appookiriffaa (kitaabota Kakuu Moofaa keessatti dabalamanii jiran kan warra Protestaantii biratti hin fudhatamne) fi Kakuu Haaraa ti. Garuu garri kaan badaniiru (Seera Uumamaa, Faarsaa, 1 fi 2ffaa Xiimootewoos, Titoo, Filimoonaa fi Mullata Yohaannis.). Jechoota jalqabaa fi abbaa barreesse gargar baasuudhaaf kun barreeffama baay'ee fayyaduudha. Inni kan beekkamu qubeen guddaan "B" kennameefiiti.

**Volgate.** Kun hiika Kitaaba Qulqulluu Laatiin kan Jeromi. Inni waldaa kirstaanaa Kaatoolikii biratti hiika bu'uuraa yookiin kan "gamtaa" taeera. Kan inni qophaa'es bara haraaraa 380tti ture.

**Wisdom literature (hogbarruu kan ogummaa).** Jechi kun gosa hogbarruu beekamaadha naannaa ba'aa isa durii (biyya lafaa isa ammaayyaa) biratti. Kunis dubbii dachaatiin, walaloo, dubbii fakkeenyaa fi barreeffama adda addaatiin dhaloota haaraa barsiisuu fi jireenya fiixaan ba'umsa qabu akka jiraatan dandeessisuudhaaf. Ergichis walumaa galatti hawaasaa fi utuu hin taane dhuuffaa irratti kan xiyyeeffatedha. Haala seenaa goollabuudhaan itti hin fayyadamu. Keessumaayyuu hubannoo barmaatilee jireenyaa ilaallata. Kitaaba Qulqulluu keessaa Iyyoobii hanga Weedduu weeddutaatti kan itti yaadamu argamuu YHWH fi isa Waaqessuu yeroo ta'u ilaalchi adunyaan kan hafuuraa kun haala shaakala jireenya ilmaan namootaa keesssatti yeroo hundumaa akka hin raawwatamne ni beekama.

Akka garee hogbarruu dhugaa walii gala irratti xiyyeeffata. Gosti hoogbarruu kun garuu haala hundumaa faayidaa irra hin oolchu. Yaadonni walii galaa kunneen haala nama tokkoon tokkoonii irratti kan raawwataman miti.

Barreeffamoonni kunneen gaaffii jireenyaa isa cimaa kaasu. Yeroo heedduu ilaalcha amantii ta'anii kan adaan kaasu (Iyyoob Lallaba). Gaaffii jireenyaatiif deebii giddu galeessa ta'e kennuudhaan keessumattuu gaddisiisaa kan ta'e irrtti xiyyeeffatu.

**World picture and world view (bifa biyya lafaa fi ilaalcha biyya lafaa).** Kun jechoota waliin deemaniidha. Lachan isaanii yaada falaasama uumamaa wajjin walitti dhufeenya qabu. Jechi "bifa biyya lafaa" kan innni ilaallatu "akkamiin dhaan" garuu immo "ilaalcha biyya lafaa "kan jedhu immoo kan inni wajjin deemu "eenyu" kan jedhuu wajjin. Jechoonni kunneen baay'ee fayyadu hiikuu irratti sunis Seera Uumamaa 1-2 isa jalqabaa Eenyu kan jedhu waa'ee uumamaa akkamiin kan jedhu osoo hin taane.

**YHWH.** Kun Kakuu Moofaa keessatti maqaa Waaqayyo kakuuti. Inni Seera Ba'uu 3:14 irratti hiikameera. Jecha Ibrootaatti kan fuula duraa goochima "ta'uuf" sababan kan agarsiisu yeroo ta'u, Ibroonni maqaa kana waamuu ni sodaatu. Akka salphaatti akka hin fudhanneedhaaf jechuudha. Qooda kanaa *adonai* jedhuun bakka buusu. Jechuunis "gooftaa" kunis akkamiin maqaa kakuu kan Ingiliffaatiin kan jijjiiramedha.

# ODEEFANNOO DABALATAA SADII
# BARA ERGAMOOTAATI XIN-HIIKA BARSIISOOTAA
### FI DHIIBBAA WALDAA KRISTAANAA DURII

I. Qulqulluu sagalee isaa hubachuun akka ta'uutti yeroo mataa isaatitti kan seenaa fi qabiyyee barreefamaa ta'uutu irra jira, fi kanaaf tokkoon tokkoon haala haaraa hojii irra akka oolu godha.

A. Fakkeenyi inni tokkooffaan, innis ergaa qulqulluu sagalee isaa gara haala haaraatti hiikuun waan barbaachisaniif abboomota kurnan irra jijjirama muraasa godhame argama.

1. Ba'uun 20 kan barreefame Museedhaan, hawaasa horsiisee bulaaf
2. Keessa deebii 5 waraabii Museeti, walfakkaataa dhugaa ifa ta'e, ta'us garuu hawaasa bakka tokko jiraatuuf.

B. 2Mot. 22 irra deebiin manni qulqulluumaa karoorfamuu fi suphuun dhimmi isaa galmaa'eera, Geggeessaa Iyoosiyaas jalatti. Hilkihaas waraabbii seerichaa argate, Saafanis mooticha Iyoosihaasiif dubbise. Walummaa galatti hubannaa Iyoosihaasiif hiika kamiin iyyuu hin barbaachiifne.

C. Fakkeenyi kan biraan, mul'achuu durii haalaa fi yeroo haaraa wajjin wal qabsiisuuf yaaluun, Ermiyaas irratti argama. Yeroo isaatti kan turan raajjootni sobduun sagalee abdii Waaqayyoo, Yosihaasiif kan inni qabuu mudoo kan baasee ture (Isa. 36) kanaaf isaan akkuma jirutti raawwatamaa turan, guyyaa isaanitti, yoomessa isaanii adda addaa hubachuu dhiisuun isaa, Ermi. 23-28.

D. Baay'ee caalchifamee kitaaba galmeeffame fakkeenya qulqulluu, innis barbaachisumaa xin-hiikaa, hiika sagalee isaa qulqulluu Iziraa irratti dha, Ibiroota irraa gara Haramiffatti, akkasumas hiikni isaanis isa ta'a jedhee akka barbaade hiikuun, Nahi. 8:8.

E. Kana wajjin wal fakkaataa yeroo dursa-bittaatti kan barreesitootaa waajjirri guddachaa dhufeera, innis hawaasa Yihudootaa biratti bakka giddugaleessa lubootaa kan bakka bu'e. Barumsa mana waaqefannaa Yihuuditi malee, seerata waaqefannaa osoo hin taane, jireenya Yihudootaaf giddu galeessa ta'e. Barreessan barbaachiisaa ture, heera durii hiikuudhaaf, haala haaraa Farisootaa. Aadaan akka mirkaneessutti, Iziraan mul'ataa kan ta'ee garee barreesitoota waajiraa wajjin akka jalqabee dha, mana qulqullummaa Yihuudi guddaa dha jedhame kan beekamu, kanaaf kaayyoon barbaachiisaan (Osborinyaliin kan maxanfame yaadannoo, fuula 4).

II. Barbaachiisummaa bu'uuraa qajeelfama hiikaa

A. Qooqa barreefama namaa, hiiki isaa rakkisaa kan ta'ee kan akkasumaaniti. Waligaltee namaa, dhageeffachuun kan dhaga'uu yoo ta'e illee, yeroo hundumaa hubachuuf rakkisaa dha. Yoomeessa seenaa haara kennuuf, hojii hiiku qulqulluu sagalee isaati, guyyaa haaraadhaaf waan guddaa ta'eera.

B. Xin-hiikni formulaa namaa heera caas-lugaa gara barreefama barreefameeti raawwachuuf yaalii godhamee dha, hiika barreessaa jalqabaa fi kan wal qabatan akkaataa raawwii hubachuudhaaf

C. Yihudizimii keessatti tooftaawwan adda addaa baay'een guddateera, yeroo ergamootaa wajjiin tutuqiinsa qabu.

1. Peshat – iftoomina kan qabu hiika jechaa ifaa barreefamichaa
2. Remez – bifa aligooritiin, kallatti wal fakkaataa barreefamichaa irratti hundaa'uun (ka'umsa)
3. Derash – bifa fakkiduutiin, kan ittiin wal dorgoman yookaan labsiiwwan fayyadamuun (kan lallabaa)
4. Sod – hiika baqataa, beekumsa iciitii irratti hundaa'uun (kabbalah icitiin)

III. Guddina xin-hiika barsiisootaa

A. Hawaasni Baabilooni fi Filisxeem Yihuudii seera tokkummaaf qajeelfama irratti qabsa'aaniiru, kitaaba qulqulloota warra durii keessaa iyyuu Torani hiikuudhaaf, yeroo mataa isaaniiti. Kunis durummaadhaan karaa lamaaniin raawwateera.
   1. Tooran kan inni hiikee karawwan lamaani dha.
      a. Tooftaa akkuma jirutti, peshat kan jedhamu
      b. Hoji irra ooluu barreefama durii babal'isuuf yaaluu, tooftaa hiikaa baay'ee midrash kan jedhamu
   2. Naannoo tooratti "hiiki isaa rakkisaa kan ta'e" ("kan naannoo") yaad-rimeen guddateera, xin-jecha kan jedhamu. Innis kan inni amanamu gaara Siinaa irratti Museedhaaf jechaan akka kenname dha (Mishua Abot 1.1). Innis booda irratti warra Baabiloon irratti fi Talmuudi Filisxeemiin barreefameera (raawwatee kan hin xumuramne). Barreefamni kun Tooran guyyaa guyyaatti jireenya hojii irra oolchuuf kan yaaluudha . Kunis yeroo hundaa kan inni raawwatamu abbootti taayitaa eeruudhaaf, hiika adda addaatiin gaaffilee fi raawwiwwan irratti aboo barsiisootaa eeruudhaaf.
B. Mirreewwan
   1. Walitti qabamni barsiisootaa guddachaa dhufan, wal bira qabiinsa adda addaa hiika irratti kan fudhatan (jechuun, Shammai, aadaa kan cimsan, fi Hillel barsiisa kan biraaf). Isaan mirreewwan  ni barbaadu turan, falmii gosa walitti deddeebisuu, gara hiika Tooraa karaa ittiin gahan (Gilbertii, fuula 7). Isaan mirreewwan barreefamicha kan isaan dhi'eessan kallatti faallaadhaan ture. Yeroo hunduma inni tokkooffaan bifa irra irra isaati qofa ture kan inni ilaalu, akkasumas kan biraan yaadamuu kan qabu kan lallabaa tokkummaa isaa (kan wal dorgoomsiisuu fi kan argisiisu).
   2. Asitti mirreewwan qajeelfamawwan hiikaa guddisaniiru, galumsa yaada bal'aa Yihudiin, Tooraf (halachc barreefamoota).  Isaan namoonni qulqulluu sagalee isaa wajjin hojjeechuudhaaf yaalaniiru, ta'us garuu yeroo hundumaa kan isaan deeman hiika dhoksaman barbaaduu irratti, tokkoon tokkoon barreefamaa (sod) irrati. Kun barreefamoota durii guyyaa ofi isaanitti akka hoji irra oolchan isaan dandeesisa, akkasumas kitaaba qulqulluu raawwatanii gaaffillee isaan hin qabnne deebisuuf.
   3. Sababawwan qajeelfama bu'uuraa sadii jiru, xin-hima barsiisootaaf.
      a. Tooran jireenya guyyaa guyyaa fayyadamuuf qajeelfamni
      b. Dheekamsa Waaqayyoo qajeelfama eeguu (Kes. 27-28)
      c. Gara bara haaraatti fiduudhaaf qajeelfama
C. Tooftaawwan adda addaa duraanii
   1. Hiikoonni Haramoota Ibirootaa, Targums jedhamanii kan waamaman (Gilbert, fuula 16-17, Asboriin, fuula 5, Peeti fuula 55-58):
      a. Qajeelfamoota wali galaa hiikaa kan turan
         (1) Cimaa kan ta'ee ibsuudhaaf
         (2) Mormiiwwan  akka wal simatu gochuu
         (3) Raajjiiwwan adda baasuuf
         (4) Jechama namaa balleessuuf
      b. Qajeelfamoota wali gala hikawwanii (Peti, fuula 65-81) kan turan
         (1) Barreefamicha irra kan jiru hunduu hiikaaf bu'aa qaba (xin-lakkoofsa, garaagarummaa qubeewwani, K.k.f… )
         (2) Jechi qulqulluun wal qabatee hin jirre kan biraa sagalee qulqulluu ibsuudhaaf faayidaa irra oola
         (3) Seenaan bifa kitaaba seenaatiin (duraa duubaan) hin keessumeessu, ta'us garuu inni gara tibbaawwan jalqabaatti ni dhi'eessa (waamamu Abirahaam, Ba'u, godoo bultii/mana qulqullummaa, bittaa, bara haaraa). Kun kan seenaa barreefmicha baasa, innis hiikamuun kan irra ture.

(4) Xiyyaafannoo kan itti laatu jireenya barumsa hafuuraa irratti hin turre, ta'us garuu hojiidhaan, raawwii ta'uu qabuu irratti dha, barreefama gosa kamii iyyuu.

2. Warri Saduqootaa, isaaniis abbaa qabeenyaa, ramaddii lubootaa yeroo Yesuusitti kan isaan uuman xin-jechoota dhabamsiisaniiru (hin fudhanne), kunis warra Farisootaaf waan guddaa kan ta'e. Isaan immoo jireenya booda kan jiru ilaalatee, addunyaa hafuuraa fi ilaalchawwan hin fudhatan. Gareen kun jeequmsa Yihudiin balleefameera, kanuma kufaati Yerusaalemin kan raawwatame bara haraaraa 70. Isaan qajeelfanma bu'uuraa kan ture (Peti. Fuula125-128).
   a. Qulqulluu sagalee isaa hubachuun akka ta'utti abdiiwwan kakuu fi abarsawwanin dha (Keessa deebii 27-28)
   b. Yaada hafuuraan liqimfamuun qulqulluu sagalee Tooran cufameera (Uumamaa – Keessa deebii).
   c. Kan isaanii hiika qulqulluu sagalee wantoota hoji irra oolan irratti baay'ee kan argisiisu dha. Isaan kan isaan barbaadan Waaqayyoodhaan akkamitti eebbifamuun akka danda'amu beekuudhaaf, kanaaf dhiibbaa hafuuraa kam irraa iyyuu dhabamsiisu.
   d. Jireenya isaanii kaffaluuf kan barbaadan fakkaatu, fooniin kan ta'ee fi isa qulqulluun. Dhiibbaan barumsa hafuuraa isaanii jireenya amantaa isaanii irratti qofa dha.
   e. Ajaa'ibsiisaa kan ta'u, xiyyaafanoon kakuu kun kan guddatee gara kan amantaatti sochi addaa keessaa ba'eeti, Essensi irraa "barsisoota tolaa isaanii irraa" ti.
3. Tooftaan xiin-hiika Essines yookaan Qumiraan
   a. Inni raajjiiwwan hundumaa bakka tokkootti haalawwan ta'een of keessatti qabachiisa, yoomessa duraan turee ofii isaanii (Pisher). Isaan yeroo isaaniitti kan duree kan baratamee dhaabbata Yihudii kan morman turan. Ofi isaanis kan isaan ilaalan akka bara dhumaatti hawaasa filame godhaniiti, kanas bara haaraadhaaf akka qophaa'uu.
   b. Qajeelfamni xiin-hiikaa isaanii kan turan (Birawunilii, fuula 60-62):
      (1) Raajoonni durii kan isaan barreessan hundumtuu hawaasa ofi isaaniif bara dhumaa kan waabefatan qabu
      (2) Raajoonni durii karaa iciitiitiin hanga barreesaniiti, hiikini isaani mirkaneefamuun kan irra jiraatu kan dhufuu barsiisaa addaati
      (3) Raajonni durii hiikootni barreefama isaan waraabii adda addaa irratti argamu (kan barreefamaa yookaan xiin-qubeewwan taartibaan hin taane)
      (4) Garaagarummaan barreefamaa immoo ka'umsa hiikaa irra turan
      (5) Hojiin kan argisifaman lakkoofsa biraa irratti kan jiran wal qabatee kan jiru wal fakkaataa bu'uura gochuuf
      (6) Hojii irra kan ooluu bu'uura Aligooriitiin
      (7) Raajotni durii hiikootni formuulaadhaan guduunfamuun kan irra jiru hiikawwan tokko ol ta'ee yookaan hundee jechaa jecha isaatiin
      (8) Yeroo tokko tokkoo hiikni inni dhugaan baay'ee dhokkachuu danda'a, waan kana ta'eef wal fakkeenyaan faayida irra kan oole hiika qofa fudhata
      (9) Yeroo tokko tokkoo hiikni inni dhugaan kan inni argamu jecha Ibirootaa irra deebiin qindeessuun
      (10) Yeroo tokko tokkoo hiikni inni dhugaan kan argamu qubeewwan gara jecha Ibirootaatti jijjiruudhaan
      (11) Yeroo tokko tokkoo hiikni inni dhugaan kan argamu jechicha kutaa kutaa isaan hiruu fi hiika isaanii hiikuuni dha

(12) Yeroo tokko tokko hiikni inni dhugaan raajootaan jecha jabaajee fayyadamuun dhokkata, kanaaf gabaajeewwan kan biraan jecha qofaa dha hiika isaa mul'isuu kan danda'an

(13) Yeroo hundumaa kan biroon dubbifamni qulqulluu sagalee isaa faayidaa irra ni oolu, gaaffii irra dubbifamni jiru ibsa itti kennuun

4. Kan jalqabaa adda kan ta'e qajeelfama barumsa hafuuraa kan qindeessu Hilleel ture, jaarsaa warra Baabiloon (Dha.K. D. 30 –Dha.K. B 9). Hilleel hiika baay'ee bal'isee yaaduu ture mirree barsiisootaa keessa. Sammaayi kan biraa ture (Longensiker, fuula 6). Qajeelfamni beekamaan Hilleel (Istiraak, fuula 94) bu'uura irraa qulqulluu sagalee isaa hiikuudhaaf qulqulluu sagalee isaa fayyadamuutu ture.
   a. Isaanis kan isan argaman Aboz, de rab Naataan XXXVII fi Toseftaa Sahandirin C 7 (Talmud) irratti dha:
      (1) "Salphaa fi cimaa" __ kun bu'uura irraa dhugaa muraasa ta'ee qajeelfama wali galaaf akka kennu fayyadamuudhaan
      (2) Dhiibbaa wal fakkaatuun kaa'uun __ kun kan inni ta'u gaalee walfakkaataa yookaan jecha, dubbifama lamaan bakka tokkootti qabamanii kan kennaman hiikaa wajjin akka wal siman gochuudhaaf
      (3) Hiika barreefamoota baay'ee furtuu tokkoon barreefama irratti ijaaruu
      (4) Hiika barreefamoota baay'ee furtuu lamaan barreefamoota irratti ijaaruu
      (5) Qajelfama wali gala irraa gara fakkeenya adda ta'eetti naanneessun, yookaan faallaadhaan
      (6) Dubbisa sadaffaa fayyadamuu, faallaa lama yookaan hiiki isaa rakkisaa kan ta'e kan fakkaatan hiika barreefamoota adeemsiisuuf
      (7) Qabiyyee barreefamaa wali gala fayyadamuun lakkoofsa qeenxee tokko hiikudhaaf
   b. Kun Automatikii galumsa barreefamaa Ismaa'eelii fi Raashiin babal'ateera (Feraar, fuula 67)
5. Filoon duraan dursee Aligiriisti Yihudii ture (jechuun, kan Pilaatoo kan hin taanee bara haraaraa 20- 54)?
   a. Fiiloon falaasafa Yihudii ture, Aleeksanderiyaa irraa, Gibxii. Innis baay'iinaan dhiibbaan irratti godhameera, Aristobulus jedhamee kan waamamuu Aligoristii. Inni qulqulluu sagalee Musee yoommeessa falasama mataa isaatiin gochuuf yaaleera, aligooriidhaan kan seenaa kan hin taane hiika fayyadamuun, Pilaatoni isa haaraadhaa fi Istosizimii irratti hundaa'uun (Giranti, fuula 52, Feerar: fuula 22).
   b. Fiiloon fakkeenya xiin-hiikaa qaba, Yihudummaa keessatti, sod yookaan iciitii barreefamichaa jedhamee kan waamamu tooftaan, innis dabalataan hawaasa Issenee biratti kan mul'atu. Kan inni of keessatti qabatus
      (1) Fayyadama adda addaa kan jechaa
      (2) gematria (xiin-lakkoofsa)
      (3) wal fakkeenya
   c. qajeelfamni isaa kan inni hundaa'ee isa irraa "Quod Deus Immutabili, 11 fi De Sommiis, 1:40: (Farrar, fuula 22-23, 149-151, Mickelsen, fuula 29 irratti dha):
      (1) barreefamichi waa'ee Waaqayyoo waan faayidaa hin qabne kan Aligoorii (wal fakkeenya) gochuuf
      (2) carraa kan faallaa gochuu kan qabu kan Aligoori (kan fakkeenyaa) gochuu
      (3) kan Aligoorii (kan fakkeenyaa) ifaa yoo ta'ee kan Aligorii (kan fakkeenyaa) gochuu
      (4) ibsa tokko yookaan jechi yoo irra deebi'ame kan Aligoorii (kan fakkeenyaa) gochuu

(5) himicha keessatti jechi hin barbaachiifne yoo argame kan Aligoorii (wal fakkeenyaa) gochuu
(6) irra deddeebiin dhugaa beekamanii yoo jiraatu kan Aligoorii (wal fakkeenyaa) gochuu
(7) ibsi isaa yeroo adda adda ta’uu kan Aligoorii (wal fakkeenyaa) gochuu
(8) walfakkaataa faayidaa irra kan oolu kan Aligoorii (wal fakkeenyaa) gochuu
(9) yaadamu kan qabu kan adda addaa fayyadama jechaa Aligoori malee (wal fakkeenya) gochuu
(10) qubeen jechichaa jijjirama giddugalessa yoo qabaatan kan Aligoorii (wal fakkeenyaa) gochuu
(11) saalaan, lakkoofsaan, yookaan bifa caas-lugaan wanti kam iyyuu keessaa kan ba’ee yoo ta’e kan Aliigoorii gochuu

6. Rabi Ismaa’eel (bara haraaraa 60-121) qajeelfamoonni beekamoon kudha sadi, bakkicha irraa kan fudhataman, seensa:
   a. Isaan kan Hillaal qajeelfamoota torba kan baba’latanii dha, Ismaa’el kan inni ittiin beekamu jechama isaatiin, “kitaabni qulqullootaa qooqa nama dasiibaan kan isaan fayyadaman,” Berakat, 31B
   b. Qajeelfamoota isaanii kan turan
      (1) Haala qabatamaa jiruu irraa argamuu kan inni danda’u ka’umsawwan muraasaa irraa fi galagalchoon
      (2) Haala qabatamaa jiruu irraa argamuu danda’au jechoota irraa yookaan gaaleewwan wal fakkaateeti, barreefamoota adda addaa irratti kan argaman
      (3) Barreefama tokko irratti kan argame dhugaan wali galaa barreefama wal qabatoo hundumaa irratti hoji irra oola
      (4) Walitti qabaa isaa wal irra adda baasee duuka yeroo bu’uu, kan addaa kan ta’ee qofadha hoji irra kan oolu
      (5) Tarreefamoonnii kaa’amani guduunfaa duukaa yeroo bu’an, guduunfaa keessatti kan argamee hunduu hoji irra oola
      (6) Duraan dursee guduunfaan, achi irraas adda kan ta’ee kan biraa guduunfaa duuka yeroo bu’uu, tokko dirqamatti hundee kan qabu kan adda ta’ee kan argisiisuu dha
      (7) Ifa ta’uuf jecha kan ta’uu yeroo, wali galatti keessa adda kan ta’e gaaffata, yookaan galagaltoon isaan, seera sana irraa 4 fi 5 hojii irra hin oolan
      (8) Guduunfaan kami iyyuu dursee hojii irra kan ooluu fi isa boodas adda ba’ee waan haaraa kan nu barsiisu, ibsaan kan jalqabuu ofi isaas jecha qofa miti, ta’us garuu waan dabalataa barsiisuuf malee, wali galatti waan hojii irra oolan hundumaa mudannoo kan ilaalate malee
      (9) Duraan dursee wali galatti seera kan ilaalatee fi isa irraas kan addaa kan ta’e, yaada biraa itti dabaluuf, innis seera wali gala wajjin wal fakkaataa kan ta’e, salphaa gochuuf kan addaa godhama, itti dabaluufis miti, yaada hamaa sanaa
      (10) Duraan dursee seera wali gala kamiin iyyuu kan ilaalatee fi isa irraas adda kan ba’ee kan ta’e, yaada biraa itti dabaluuf, innis seera waligalaa wajjin wal fakkaataa kan hin taane, kan adda ba’ee godhama, ergaa wal fakkaataa salphisuuf, akkasumas kan biroon sana yaada adda ta’e cimina isaa ittti dbaluuf
      (11) Seera wali gala duraani kam iyyuu kan ilaalate isa boodas kan addaa kan ta’e, waan haaraa murteessuuf, seera wali gala ejjeennoowwan isa booda isa irratti hin ta’an, qulqulluun sagalee isaa bifa ibsaan akka godhan yoo labsuu baate

(12) Jecha shakisiisaa yookaan dubbifni kan inni ibsuu qabiyyee barreefamichaa irraati, yookaan ibsa itti aanee dhufu

(13) Dubbifamni kitaaba qulqulluu lama wali wali isaanii yoo faalleessan, wali galuu kan isaan danda'an dubbifama sadaffaadhaan (Jaakobis, fuula 367-369)

7. Rabbii Elizeer Biin Yosee Ha-gelili bara haraara 130-160)
   a. Qajeelfamni Rabbii Ismaa'eel Tooratti faayiidaa irra kan isaan oolan, kan Rabbii Elizer faayiidaa irra kan oolan kan biroo kutaa kakuu moofaa (barreefama Hagajikii)
   b. Isaan qajeelfamoonni kun lallaboota safuu, seenawwanii, fi Fikiloor kan fakkaatani dha. Isaanis duraan dursanii kan eeraman Abdulwalidi Ibiin Gorahii dha. Booda irrattis Seefar Keerituz irratti Chinoon Samson keessa galfaman
   c. Qajeelfamoota sodomi lama (Istaarkii, fuula 96-98).

(1) 'af, gam, eth kan jedhaman keeyatoota dabalataan gochuun argisiisu

(2) "ak, rak, min keeyatootni jedhaman daangaa isaanii, of keessatti qabachuu dhiisuu, yookaan hir'isuu argisiisu

(3) Lammanuu kan gararaa keeyatootni ilaalan yeroo mudatan, dabalatni ni jiraata

(4) Kan murtaa'aan lama yookaan keeyata keessatti kan hin hamatamne yoo mudatan rajaahyessaan ni jiraata

(5) Kan addaa naannoo isa gidduu galuu monori ad muuis fi galagaltoon isaa (Hillel's # 11)

(6) Naannoo isaa kan galu tokko akkasumatti mul'achuu

(7) Hillaal lak. 2 wajjin tokko dha

(8) Hillal lak. 3 wajjin tokkoo dha

(9) Gabaajee yookaan gaalee hir'ifame jechooni baasan akka ittiin qixaatu barbada

(10) Irra deddeebiin kan godhame tuqaa isaa fiduuf dha

(11) Haala qabiyyee barreefamaa jeeqame, innis Soof Paasukl kan jedhuun kan mogaafame yookaan kan kaffalameef akkaataa haasaa dubbifama kan biraan mudachuu kan inni danda'u

(12) Waan tokko kan waldorgomsiisuutiif ragaa dursu ta'eera, ta'us garuu adeemsa kanaan ifni ho'aan waan sana irratti ni buufata (Hilleel lak. 7 wajjin tokkoo dha)

(13) Labsii wali gala gocha duuka yeroo bu'uu, isa irraas sun kan duraanii irraa kan adda ba'ee dha (Hilleel lak. 5 wajjin tokko dha)

(14) Wanti faayida qabeessa ta'e tokko, dasiiba waan ta'e wajjin wal dorgoma hubannaa ifa ta'e mijeessuuf (Hallakiyaan hoji irra oolchuu kan hin dandeenye)

(15) Ismaa'eel lak. 13 wajjin tokkoo dha

(16) Akkaata fayyadama ibsa barbaachiisaa

(17) Haalli isaa ifatti hin jedhamne, dubbisa barbaachiisaa, dubbifamakan biraan kan eerame, keessaa iyyuu dubbifama Tooran, kan biraa kan Tooraa kan hin taanee dubbifama hubachuun (Um. 2:8, Hiz. 28:13 irratti kan dabalame)

(18) Kan faalleessu gosa muraasa eerera, amma illee guutummaa isaa yoo jedhes

(19) Dhimma mata-duree tokkoo ibsuuf labsiin godhameer, ta'us garuu kan biraa irraa immoo sirrii dha

(20) Labsichi akka ta'uutti hin deemu, dubbifama ta'ee wajjin, ta'us garuu dubbifama kan biraa wajjin ni deema, fi isa biooda dubbifama sanaan hoji irra oolu danda'a

(21) Wanti tokko wantoota lama wajjin wal dorgoma, fi kanaaf, amala gaarii qofa dha lamaanuu birra kan eeramaniif
(22) Yaada innis yaada wal cunaa irraa degersa kan baeraadu
(23) Yaada wal cinaaf dabalata ta’uudhaan kan tajaajilu yaada
(24) Ibsa gosa akkaasi yaadni kan hojii irra oolu Hagadikiin hiika irratti qofa dha
(25) Ismaa’eel lak. 8 fooyya’ee kan fudhatame
(26) Fayyadamaa akkeenyaanii
(27) Lakkoofsoota barbaachisoo walitti fiduu
(28) Fayyadama jechaa adda ta’e, jechuun tapha jechaa, kanas jecha wal fakkaataan miirawwan adda addaan faayidaa irra yoo oolu yookaan sagaleen kan wal fakkaatan jechooti faallaadhaan yeroo walitti qabaman humna faallaa akka kennan
(29) Gematria
   a) Gatii lakkoofsootaa qubeedhaan wal madaalchiisu
   b) Qubeewwan iciiti yookaan qubeewwan jijjiraman qubeewwan kan biraaf fayyadamu
(30) Notarikon innis jecha gara lamaatti yookaan isa oli gara jeccoota ta’aniitti caccabsuun tokkoon tokkoon qubee ibsuu, jechoota baay’ee isaaniin kan jalqaban akka dhaabbatan gochuu __ jechicha irraa qubee jalqabaa wajjin wal fakkaataa kan ta’an
(31) Lammaffaa kan taa’ee duraan dursee yeroo dhufuu
(32) Kutaawan kitaaba qulqulluu baay’ee yeroo duubaa argisiisu, duraan kan turee caalaa akkasumas galagaltoo isaan

IV. Madaallii tooftaa barsiisootaa

A. Cimina isaa
1. Hiika sadarkaa isaa eegatee akka adeemsiisu yaaluu isaanii argisiisu
2. Barreefama irratti kan hundaa’e akka ta’an ni yaalu
3. Qulqulluun sagalee qulqulluu sagalee isaa akka hiiku eyyamuuf yaalu
4. Fayyadama haala qabiyyee barreefamaa murtaa’aa ta’ee akka meeshaa hiikaatti ni argisiisu

B. Dadhabina
1. Kan murtaa’ee kan loojikii fi qajeelfama sagalee yoo qabaatan, ta’us garuu hanga akkinaatti fudhachuuf yaalu
2. Barreefama irratti kan hundaa’aanii dha, ta’us garuu ifaa kan ta’an hiika barreessaa jalqabaa osoo hin taane
3. Yoomeessa seenaa dubbifamichaa walummaa galatti tilmaamaa keessa hin galchan (Gilberti, fuula 14)
4. Yeroo hundumaa dhugaa guddaa dubbifamichaa ni dogogoru, kanaaf tuqaawwan muraasa isaan hir’ata
5. Barreefamoonni Musee yoo isaan hir’atan, ta’us garuu qulqulloonni hafan kitaabicha gara sadarkaa lammaffaati isan xurreessa, akkasumas immoo isaaniin baay’ee bifa salphaa ta’een isaan hiika (Gilberti, fuula 20)
6. Xin-jecha kitaaba qulqullootaa wajjin wal qixa kaa’aa
7. Iciitii Aligoorii wali galtee barreefamaaf fayyadamu (jechuun, Kabbalaah)
   a. Notarikon (Akironims) qubeewwan jalqabaa jechaa) fayyadamu guddisuu, yookaan jecha Ibirootaa qubee xumuraan akka ka’umsaatti fayyadamu
   b. Gematria (tokkoon tokkoon gatii lakkoofsa kennuu fi isa booda lakkoofsa wal fakkaataan jechoonni walitti eda’amanii barreefamicha irratti akka mul’atan godhama

c. Paronomasia (fayyadama jecha adda ta'e) wali galtee sagalee fayyadamuun, barreefamicha irra kan jiran jechoota adda addaa jijjiruun)
d. Temurah (barreefamicha irra jecha jiran dursee ijaaruun, hiika haaraa argamsiisuuf)

V. Isaan waldaa kristaanaa ishee durii irratti dhiibbaa isaan gochaa turan

A. Aleeksanderiyaa, Gibxii (Faaraf, fuula 11, 12)
   1. Aligoorii Kilimentii fi Orijin wal-qunamtii kristaanaa ifatti dhiibbaan Fiinoo irra tureera, akkasumas gaadiduu beektoota Aleeksaanderiyaa.
   2. Kun qulqulluu sagalee isaa jalaa kan dhokkate hiika barbaaduun qorannoon tokko afraffaa xin-hiika tooftaawwan bu'aa argamsiisaniiru, innis waldaa kirstaanaa irratti dhiibbaa isaa kan geessise, bara giddigaleessaati hunduu hanga haroomsaatti.

B. Aligoorummaa Aleksanderiyaa faalleessun, baay'ee gara barreefamichaatti kan argisiisegalumsi jaarraa sadaffaatti Antihootaan, Soriyaan guddachaa dhufeera. Galumsi barreefamaa barsisoota Yihudummaan geggeesitootni dhiibbaan irra akka bu'uu yookaan akkasumas Aleksandeeriyaa mormuudhaaf haa ta'u, murteessuuf cimaa dha. Isaani raawwatanii guutuu guutuutti qajeelfamoota Hillaalin hin fayyadamne, ta'us garuu kan murtaa'aan ejjeennoo qajeelfamoota, tokkummaa loojikii, barreefamoot durii hubachuun. Fakkeenya ta'uu kan danda'aan:
   1. Hiika haala qabiyyee barreefamaa ni geggeessa
   2. Qulqulluun sagalee isaa qulqulluu sagalee isaa hiika
   3. Dubbifamoota wal cinaa fayyadamuun
   4. Jechoonni ifatti hiikamuu kan isaan danda'an dubbifamoota barbaaduun

C. Inni daangaa qayyabannaa kanaati oli, ta'us garuu ifatti kaa'uun kan irra jiraatu, Yihuudi Aworoopaa hiiktoota, bara giddy galeessaatti, akka kuufamaatti Raashi kan jiran, warra haroomsa irratti dhiibbaa qabu turan, kan Liiraa Nikoolis qabaachaa akka ture

# KITAABILEE WAABII


Berkhof, L. *Principles of Biblical Interpretation*. Grand Rapids: Baker, 1950.

Brownlee, W. H. *"Biblical Interpretation Among the Sectaries of the Dead Sea Scrolls*." Biblical Archaeology 14 (1951): 60-62.

Crim, Keith, ed. *The Interpreter's Dictionary of the Bible*. Nashville: Abingdon. S. V. "Hermeneutics." by J. A. Sanders.

Farrar, Frederic W. *History of Interpretation*. Macmillan, 1886.

Grant, Robert M., and David Tracy. *A Short History of the Interpretation of the Bible*. Philadelphia: Fortress Press, 1984.

Gilbert, George Holley. *Interpretation of the Bible a Short History*. Macmillan, 1908.

Kaiser, Walter C. Jr. *Toward An Exegetical Theology*. Grand Rapids: Baker 1981.

Knight, Douglas A., and Tucker, Gene M. The *Hebrew Bible and Its Modern Interpreters.* Chico. 1985.

Knight, Robert A., and Nikelsburg, George W. E. *Early Judaism and Its Modern Interpreters*. Atlanta, 1986.

Longenecker, Richard N. "*Can We Reproduce the Exegesis of the New Testament*?" Tyndale Bulletin 28 (1969).

Mickelsen, A. Berkeley. *Interpreting the Bible*. Grand Rapids, Eerdmans, 1963.

Moore, George Foot. *Judaism in the First Century of the Christian Era*. New York: Schocken Press, 1971.

Osborne, Grant. "*Hermeneutics*." Deerfield, Illinois: Trinity Evangelical Divinity School. Photocopied.

Patte, Daniel. *Early Jewish Hermeneutics in Palestine*. Society of Biblical Literature and Scholars Press, 1975.

Price, James L. *Interpreting the New Testament.* Holt, Rhinehart and Winston, Inc., 1961.

Ramm, Bernard. *Protestant Biblical Interpretation*. Grand Rapids: Baker, 1970.

Roth, Cecil, ed. Encyclopaedia Judaica. Jerusalem: Keter. S. V. "*Hermeneutics*," by Louis Jacobs.

Strack, Hermann L. *Introduction to the Talmud and Midrash*. Philadelphia: Jewish Publication Society of America, 1931.

Terry, Milton. *Biblical Hermeneutics*. Grand Rapids: Zondervan., 1974.

Weingreen, J. *From the bible to the Mishnah.* Manchester University Press, 1976.

# HAFAA AFRAFFAA
# BEEKSISA AMNTII

Ani hundumaan olitti waa'ee ibsa ejjennoo amntiif dhimma hin qabu. Ani Kitaaba Qulqulluu mataa isaa mirkaneeffachuun filadha. Garuu ibisi aejjennoo amantii kootii jarreen ilaalcha barsiisa kootii qorachuu barbaadaniidhaaf karaa akka agarsiisu nan amana. Bara keenyatti dogoggorsii fi gowwomsaan barnoota amantii heedduun ni jiru, armaan gaditti goollabbiin barnoota amantii kooti ni argamu.

1.Macaafini Qulqulluun lachanuu Kakuu Haaraanii fi Kakuu Moofaan, kan hafuura Waaqayyoon dhufan, kan hin kufine,abo qabeessa, sagalee Waaqayyoo jiraataadha. Inni karaa Waaqayyo ofii isaa mullise namootaan kan barreeffame geggeessaa sammuu namaa oliitiin. Inni waaa'ee Waaqayyoo fi kaayyoo isaaf dhugaa qulqulluudha. Inni ammas dabalataan amantiitif madda tokkicha fi Waldaa isaatiif shaakala.

2. Baraa tokkotu jira. Inni uumaa kan argamanuu fii hin argamnee waan hundumaati. Inni ofii isaa kan mullise akka jaallataa fi kunuunsaatti ta'us inni dabalataan dhugaa fi sirriidha. Inni karaa sadiin of mulise: Abbaa, Ilmaa fi Hafuura Qulqulluu, kan gara gara ta'an garuu Waaqayyo tokkicha.

3. Waaqayyo biyya lafaa kana amma eegaa jira. Uumama isaaf kaayyoo hin jijjiramne bara baraa fi akkasuma dhuunfaatti fedhii ilma namaa hayyamu irratti kan xiyyeeffate lammantu jira. Hayyama fi beekumsaa Waaqayyoo malee humtuu hin ta'u. Ammayyuu filannoo dhuunfaa namaa fi ergamootaaf ni hayyama. Yesus nama Waaqayyoon filatamedha akkasuma immo hundumtuu isaan filatamuu. Waaqayyo waantota ta'an duraan dursee beekuun isaa utuu humtuu hin barreeffammin dursee fedhii namootaa gad hin hirrisu. Hundi keenya waan hokjjennee fi dubbanneef itti gaafatamummaa qabna.

4. Ilmi namaa, bifa Waaqayyootii fi cubbuu malee uumamu illee, Waaqayyo irratti finciluu filate. Ta'us karaa uumamann gararraa ta'een qorame, Addaamiif Hewaan ofii isaaniitiin kan filataniif itti gaafatamummaa qabu turan. Fincili isaanii namummaa fi uumama irratti rakkoo fide. Hundi keenya haala walii galtee keenyaa karaa Addamii fi fincila fedhii keenyaaf dhuunfaattiif araraara fi ayyaana Waaqayyoo nu barbaachisa.

5.Waaqayyo namummaa kufeef karaa dhiifamaa fi haarominaa qopheesse. Gooftaan Yesuus ilmi addaa Waaqayyoo nama ta'e, jireenya cubbu maleeyyii jiraate, karaa du'a bakka bu'iinsaatiin, gatii cubbuu ilma namaa kaffale. Inni haaromina tokkummaa Waaqayyoo wajjiniitiif karaa isa tokkicha. Karaan fayyinaa kan biraa hin jiru hojii inni xumuretti amanuun malee.

6. Tokkoon tokkoon keenya dhuunfaa keenyaatti kennaa dhiifamaa Waaqayyoo fi haaromina Yesuusiin arganne. Kun kan inni raawwatame karaa fedhii mataa keenyaatiin abdii Waaqayyoo karaa Kiristoosiitti amanuudhaa fi cubbuu beekamaa irraa fedhii guutuudhaan deebi'uudhaa.

7. Hundumti keenya gutummaa guutuutti dhiifama arganneerra Kiristoositti amanachuu keenyaa fI cubbuu keenya irraa deebi'uudhaan. Garuu kun walitti dhufeenyi haaraan kun kan ittiin ilaalamu jijjiiraa fi jijjiirama jireenyaatiin. Galmi Waaqayyo namummaadhaf qabu gaaf tokko Samii irratti qofa miti, amma Kiristoosiin fakkaachuudha. Jarreen dhugumaan fayyan , darbee darbee cubbuu ni hojjetu, amantii tti fi qalbii diddiirachuu bara jireenya isaanii ittuma fufu.

8. Hafuurri Qulqulluun "Yesuus kan biraa" Inni warra badan gara Kiristoositti fiduu fi jireenya Kiristoos fakkaatu warra fayyan keessatti guddisuudhaaf biyya lafaa kana keessa jira. Kennaa hafuuraa yeroo fayyinaa kennamu. Jarri jireenyaaf tajaajila isaa dhagna isaa, waldaa kiristaanaa gidduutti. Kennaawwan jalqabumaan iyyuu amalaa fi fedhiin Yesuus kan kaka'uu barbaachisan firii hafuuraatiin. Hafirichi akkuma bara Kitaaba Qulqulluu turetti bara keenyattis hojii irra jira.

9. Waaqayyo abbaan Yesuus Kiristoos isa du'aa kaafame waan hundumaa irratti abbaa firdii isa taasise. Nama hunduma irratti firdii kennuudhaaf inni gara biyya lafaatti deebi'ee dhufa. Jarreen Yesusitti amananii fi maqaan isaanii galmee kitaaba jireenyaa isa kan Hoolichaa irratti barreeffame yeroo inni deebi'ee dhufu dhagna isaanii isa ulfina qabeessa argatu. Isaa wajjin bara baraan ta'u. Garuu jarreen dhugaa Waaqayyootiif deebii laachuu didan gammachuudhaaf walitti dhufeenya sadan Waaqa tokkichaattii bara hanga bara baraatti gar gar ba'u. Seexaanaa fi ergamoota isaa wajjin asabamu.

Kun dhugumaan guutuu fi of eeggannoodhaan waan hojjetame miti. Garuu inni kun dhandhama barumsa kan hafuraa isa garaa koo irraa akka siif kennu nan abdadha. Ani hima kana nan jaalladha.

*"Barbaachisoo irrratti* - *tokkummaa, waan hin barbaachisne irratti* - *filannoo, karaa hundumaan- jaalala."*